

***ATI MACAFA QULQULLUU HUBACHUU NI DANDEESSAA!***

**Raajota Xixiqqaa Jaarraa Saddeettaffaa:**

**Amos, Hose'aa, Yoonas fi Miikiyaas**

BOB UTLEY  
Profesora Hermenetiksii  
(Hiika Macafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIIINSAA*  
*KAKUu Moofaa, Seera Uumamaa Jildii 10 ffaa*

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS

2006

# BAAFATA

Yaadannoo.....	i
Ibsituu kana keessatti hojii irra kan oolan ibsa gabaaba madda jjechoota tokko tokkoo.....	ii
Hiikicha irratti dhibbaa kan geessisan ibsa gabaaba roga galumsa Ibiroota.....	iv
Ibsituu Kana keessatti gabaajee hojii irra oolan.....	x
Ergaa Barreessaa: Ibsituun kun akkamiin si gargaara? .....	xi
Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa.....	xiii
Seensa Amos.....	1
Amos 1 .....	8
Amos 2 .....	24
Amos 3 .....	36
Amos 4 .....	51
Amos 5 .....	60
Amos 6 .....	72
Amos 7 .....	80
Amos 8 .....	88
Amos 9 .....	95
Seensa Hose'aa .....	108
Hose'aa 1 .....	112
Hose'aa 2 .....	118
Hose'aa 3 .....	131
Hose'aa 4 .....	133
Hose'aa 5 .....	144
Hose'aa 6 .....	148
Hose'aa 7 .....	156

Hose'aa 8 . . . . .	163
Hose'aa 9. . . . .	169
Hose'aa 10 . . . . .	176
Hose'aa 11 . . . . .	183
Hose'aa 12 . . . . .	189
Hose'aa 13 . . . . .	194
Hose'aa 14 . . . . .	199
Seensa Yoonaas . . . . .	204
Yoonaas 1. . . . .	207
Yoonaas 2 . . . . .	218
Yoonaas 3 . . . . .	224
Yoonaas 4 . . . . .	230
Seensa Miikiyaas . . . . .	234
Miikiyaas 1 . . . . .	239
Miikiyaas 2 . . . . .	247
Miikiyaas 3 . . . . .	255
Miikiyaas 4 . . . . .	261
Miikiyaas 5 . . . . .	273
Miikiyaas 6 . . . . .	285
Miikiyaas 7 . . . . .	295
Ibsituu dabalataa Tokko: Mootota sanyii tokkoo kan yeroo garagaraatti bitan kan Faarsi, Griikii fi Baabiiloon . . . . .	304
Ibsituu dabalataa Lama: Qo'annoo kan seenaa ifa ta'e kan Humnoota Mesopotaamiyaa. . . . .	309
Ibsituu dabalataa Sadii: Caatoo guutummaa Kakuu Moofaa. . . . .	316

# BAAFATA MATA DUREE ADDAA

Seer-luga Walaloo Ibiroota, Amos 1:2 .....	10
Maqoota Waaqayyoof , Amos 1:2 .....	12
Qalbii Jijjiirrachuu Kakuu Moofaa Keessatti, Amos 1:3 .....	17
Waaqeffannaa warra ba'a dIyoo warra durii keessaa kan qaljummaa (FERTILITY), Amos 1:9 .....	20
Gubuu, Amos 2:1. ....	25
Tola, Amos 2:6. ....	28
Qulqulluu, Amos 2:7. ....	32
Amoorota. ....	33
Kan Warra Durii Bahaa Dhi'oo Seera Aarsaa, Amos 3:14 .....	42
Wayiini fi Dhugaatii jabaa 6:6. ....	75
Abiidda (BDB 77), Amos 7:4 .....	83
Raajicha Irratti Kan Dubbataman Jechoota Ibiroota Adda Addaa , Amos 7:12 .....	85
Akkataa Itti wWarri (biyyooleen) Baha Biiftuu Durii Ulfinaa fi Qoobee Wa'ii Safaran, Amos 8:5 .....	90
Kanneen Du'an Eessa Jiruu?, Amos 9:2 .....	96
“Dhiphinna” (mul'atan kan hojeetan ibsa koo irratti seensa barbaachiisa maxansa 12 kan fudhatan), Amos 9:7. ....	100
Kakuu, Hose'aa 2:18 .....	126
Oolam (barabaraan), Hose'aa 2:19 .....	127
Gaarummaa (HESED) , Hose'aa 2:19 .....	129
Teraphim, Hose'aa 3:4 .....	133
Barri kunnis barri dhufuuf jedhu .....	135
Leencota Kakuu Moofaaati, Hose'aa 5:14 .....	149
Furuu, Hose'aa 7:13 .....	160
Onnee (GARAA), Hose'aa 10:1 .....	177
Durse kan Murta'ee (Kaalviniziim) Yookaan Fedhii Bilisaa Nama (Harmeeniiziim).. ....	213
Amantii, Amanuu, Yookaan Abdachuu (Pistis [Maqaa], <i>pistevō</i> , [Goochima], pistos [Addeessa].....	227
Haftee, Bifa Sadiin, Miikiyaas 2:12 .....	254

Kakuu Moofaa keessatti Wa'ee isa fuldraa kan agarsiisan Kakuu Haaraa keessatti wajjin, Miikiyaas 4:7 . . . . .	266
Sadan Waaqa Tokkicha (Trinity), Miikiyaas 5:2 . . . . .	277
Yaada Dursaa Abbaa Waangeelummaa Boob, Miikiyaas 5:7 . . . . .	280
Dubartoota Macaafa Qulqulluu Keessatti, Miikiyaas, 6:4. . . . .	287

**Yaadannoon kitaaba kanaa  
Seeminaarii Macaafa Qulqulluu (OMS) fi  
akkasumas wangeela tamsaasuu fi  
ummattoot Hayitiif jireenya foonii isaaniittis  
waan isaan barbachisu gochuudhaan  
hojii ajaaybsiisaa kan kan hojjetan,  
ammas hojjetaa kan jiran  
Waldaa Kirsistaanaa Hayitiif kan ooludha**

# “MACAFA QULQULLU HUBACHUU NI DANDEESSA” KAN JEDHU IBSITUU KAKUU MOOFAA KEESSATTI HOJII IRRA KAN OOLAN IBSA GABAABA MADDA JECHOTA TOKKO TOKKO

## I. Kan jechaa (Lexical)

Afaan Ibrootaa isa duriitiif galmee jechootaa baay’ee heedduu ta’antu argamu.

- A. *Hebrew and English Lexicon of the Old Testament* by Francis Brown, S. R. Driver, and Charles A. Briggs. Innis kan jechoota Jarmanya kan William Gesenius irratti kan hundaa’ee dha. **Inni kotteenfachiisa BDB tti beekama.**
- B. *The Hebrew and Aramaic Lexicon of the Old Testament* Ludwig Koehler fi Walter Baumgartner, kan qophaa’e, M. E. J. Richardson kan hiikame . **Inni kotteenfachiisa KB tti beekama.**
- C. *A Concise Hebrew and Aramaic Lexicon of the Old Testament* William L tiin kan qophaa’e. Holladay fi innis gara oliitti kan kaa’ame jechoota Jermaniitiin beekama.
- D. Haaraa Jildii shank an ta’e qo’annoo jecha tioloojikaal ta’an *The New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis*, jedhamuun kan beekaman Willem A. Van Gemeren kan gulaale. **Inni kotteenfachiisa NIDOTTE tti beekama.**

Where there is significant lexical variety I have shown several English translations (NASB, NKJV, NRSV, TEV, NJB) from both “word-for-word” and “dynamic equivalent” translations (cf. Gordon Fee & Douglas Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, pp. 28-44).

Hiika kan qabu garaagarummaan jechootaa yeroo argamutti hiika Ingiliffaa heedduu agarsiisuuf yaaleera (NASB, NKJV, NRSV, TEV, NJB) lamaan isaanii irraa, “jechaa jechaatti” fi hiika “baay’ee kan walgitu” (Gordon Fee & Douglas Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, fuula. 28-44) irraa ilaaluun ni danda’ama.

## II. Seerluga

Seerluga isaa kan ittiin beekaamu yeroo hunda kan inni irratti hundaa’e John Joseph Owens’ *Analytical Key to the Old Testament* Jildii afurii irratti. Kunis Benjamin Davidson’s *Analytical Hebrew and Chaldee Lexicon of the Old Testament kan jedhuun akka illaalamu taasifameera.*

Maddii gargaaraa ta’e kan biraa immoo, kan seerlugaas ta’e akkaataa itti galuun, innis Macaafa Qulqulluu hubachuu ni dandeessa kan jedhu barreeffama walduraa duubaatiin barreeffama Kakuu Moofaa heedduu irratti hojii irra kan oole yeroo ta’u, innis warren hiikanuuf barreeffama walitti fufiinsa qabu gargarsa akka ta’uuf, tokkummaa waldaa Macaafa Qulqulluu irratti.

## III. Barreeffama Textual

Ani jechoota Ibrootaa kan nama daddamaqsanuuf xiyyeeffanna adda ta’e nan qaba (dubbifchiiftuu Maasooretiik kan kan agarsiisanu fi yaada kennanuuf miti). Barreeffamni harkaan barreeffaman hundinuu keeyyattoota gaaffii namatti ta’an heedduu qabu. Kunis kan inni ta’eef sababni isaa:

- A. *hapax legomena* (jecha Kakuu Moofaa Kan Warra Ibrootaa keessatti si’a tokko duwwaa hojii irra oole)
- B. Jechoota cigoo (jechoonnii fi gaaleen kan hiikin isaanii jechaa jechatti ta’e kan bade)
- C. Dhugaqabeessummaa kan seenaa kan hin qabne (waa’ee durii odeeffannaa ga’aa ta’e kan hiin qabne)
- D. Galmee jechootaa keessa jechoota Heeddumina kan seema ta’e kan qaban jiraachuu isaanii
- E. Barreeffamoonni warri duraa kan arkaan barreeffaman, barreeffama durii wajjin rakkina wali qabatan.
- F. Gibxiitti kan leenji’an barreessitoonni Ibrootaa, jarris barreefamicha haaromsuudhaaf, yeroo garagalchanu bara isaaniitti kan walsimu akka ta’uttiifii akka gargaarutti waan qopheessanuuf (NIDOTTE pp. 52-54).

Jechoonni fi barreeffamoonni warra Ibrootaaf barreeffama Masooretikiin alatti madda heedduutu jiru

- A. Peentaatukii warra Samaariyaa
- B. Barreffama dhiyeenya argame isa yookiin The Dead Sea Scrolls
- C. Booda kan argaman saantimoonni (coins), barreeffamoonni fi qiraaciin caccabaan (ostraca) barreeffamaaf kan gargaaraa turan.

Garuu bakka heedduutti, ramaddii barreeffamoota harkaan baarreeffaman kan Griikii kan Kakuu haaraa keessa akka jiran kan Kakuu Moofaa keessa hin jiran. (Bara Haraaraa. 900's) ilaali “ dhuga qabeessa barreeffama Kakuu Moofaa Bruce K. Waltke kan qopheesse NIDOTTE keessatt, jildii. 1, fuula. 51-67 ilaali.

Hojii irra kan oole barreefamni Ibroota *Biblia Hebraica Stuttgartensia Waldaa Macaafa Qulqulluu Jarmanii irraa, 1997 innis* Leningrad Codex ( bara1009) irratti kan hundaa'e. Hiikoon inni kan Ibrootaa waliigalittummaan yeroon irratti dhabamu hiikoon warri durii (Greek Septuagint, Aramaic Targums, Syriac Peshitta, fi Latin Vulgate) hojiirra oolaniiru.



# HIKICHA IRRATTI DHIBBAA KAN GEESSISAN IBSA GABAABA ROGA GALUMSA IBIROOTA

## I. Guddina seenaa gabaaba kan Ibiroota

Afaan Ibirootaa kan warra Sheem (Semitic) qooqa maati kutaa Esii'a kibba lixaati. Maqaan isaa (beektota ammayyaan kan kenname kan inni dhufe Ijoolle Nohi Seem irraati (seera uumamaa. 5•32; 6•10). Sanyiiwwaan Seem Seera uumamaa. 10•21-31 irratti tarreefamera Akka Arabotaati, Ibirootaati, Soriyaawootaa, Aramaawotaa fi akkasumas Seerinaawota qabatamaati, Afaan Seemotaa tokko tokko hidda saynii Kaamin kan tarreefamaniin in dubbatama ture (seera uumaamaa. 10•6-14) Kana'aan Fiinqeewoota akkasumas warra Itihoophiya.

Afaan Ibirootaa kan isaan kan rimmiddi Kaaba Lixaa kutaa Afaan Seemotaata. Beektootin ammayyaa fakkeenya rimmiddi afaan durii kan argatan.

A. Warra Amorootaa (kan *Mari* gabatee barreefama bara Dhaloota Kiristoos dura Jaarraa kudha saddet warra Akaadiyaatin)

B. Kanaa'anoota (gabatee barreefama *Ras Shamra* Jaarraa kudha shanaffaa irra Yoogariti irratti)

C. Kanaa'aanota (Xalayyaa *Amarna* Jaarraa kudhaa araffaa Kanaa'aanotan Akaadiyyan)

D. Finqeewoota (Ibirooti qubee warra Finqeewoota fayyadamu)

E. Moo'abota (Meesha Dhagaa, bara dhaloota Kiristoos dura:840)

F. Aramiya (Afaan waliigala bittaa Faaris bal'aa ture Seera uumamaa. 31•47

Fayyadama irra kan olee [jechaata 2] Ermiyaas. 10•11; Daani'eel. 2•4-6, 7•28, Iziraa 11:Daani'eel. 2•4-6, 7•28, Iziraa 4•8-6•18, 7•12-26 akkasumas Yiwuudotaanis in dubbatama ture Jaarraa tokkoffaa Filiisxemotaanis] Isaayas irratti. 19•18. Innis jalqaba irratti

Afaan Ibirootaa "hidhii Kanaa'aan" jedhame waamama. "Ibiroota" jedhameeti oggummaadhaan itti lixa Macaafaa irratti (oggummaa Binisaaraak) tilmaamaan Dhaloota Kiristoos dura 180 (akkasumas kan biraan oggumman durii Binsaaraak

Akkasumas kan biro bakkoota duri, *Anchor Bible Dictionary*, jildii. 4, lakk. fuula 205). Innis baay'ee kan wali wajjin deemu Mo'abootaa fi Yugaritiin qooqa dubbatamudha. Macaafa Qulqulluun ala kan argaman kan durii fakkeenya Ibiroota kan ta'an

1. Bara Lakkoofsa Gaaziir, Dhaloota Kiristoos dura bara 925 (Barreefama mana barumsaa ijoollee)
2. Barreefama Siloom, Dhaloota Kiristoos dura bara 705 (Barreefamoota olqaa)
3. Ostirakaa, warra Samaarihoota Dhaloota Kiristoos dura bara 770 (galmee suphee caccabaa kan gibira)
4. Xalayoota Laachiish Dhaloota Kiristoos dura bara 587 (kan lola kwn ittin wal-qunaman)
5. Santimootaa fi chaabota kan Maqabiyyaa
6. Barreefama marama garba Muuti tokko tokko
7. Barreefamoota kan lakkoofsaa ("afaanoota [Ibiroota], ABD4:203)

Inni akka kan biro afaanoota Seemota, sadan dubbifamtoota irratti kan hunda'aan amala sagallee kan qabanidha (sadan hundee dubbifama). Inni afaan hin dachaafamneedha. Abbaan dubbifama sadi'ii hiika jechichaa isa guddaa in qabata, maxantu duraa, maxantu giddu, maxantu booda, (kan itti dadabalaman) yeroo godhan, kun galumsa hojin argisisuu in mul'isa (dubbistooti booda irratti kan iit dabalalan (Sue Green, *Linguistic Analysis of Biblical Hebrew*, fuula 46-49).

Galme jechaa Ibiroota walaloo fi jecha dhokkataa gidduu garaagarumaa jiru mul'isa. Hiikoti sagalee hunde jechaa sagaloota wajjiin wl-qabata (ka'umsa sirna afaanoota kan hin ta'iin). Galumsii jechaa fi galumsi sagalee kan wal-baranidha (*paronomasia*).

## II. Mul'istoota keeyyata

### A. GOOCHIMA

Ta'u kan qaban jechoonni duraa booda kan ta'u jechami, bakka maqaa abba mana wal-harkisa (VERB, PRONOUN, SUBJECT (kan ibsaanii wajjin) OBJECT (kan ibsaanii wajjin). Hundee kan in qabne mallattoo jechamaa kan xumuramanidha, saala kormaa fi dhalaa, boca lakkoofsa qeenxetti *Qal*, PERFECT, MASCULINE, SINGULAR. Kan Ibirootaa fi Araamoota qinda'umi tarreefami jechoota akka kanaani. Jechamooti horanii kan agarsisan

1. Lakkoofsa-qeenxee, kan baay'ee lamaansaa
2. Saala-kormaa fi dhalaa (adda kan ta'e hin qabu)
3. Haaloota kan agarsisu haaloota kan ibsan, xiyyeefata (dirqisiisaa) kan ammayoome misiyaanaat qooqa warra lixaa wajjin gochii firomaa waan qabatama wajjin)
4. Yeroo (fuula)

- a. Kan xumurame kunnis kan argisiisu kan xumurame galumsi isaa jalqaba isaa, itti fufeenya isaa, fi raawwatama gocha tokkooti. Boci kun yeroo hundumaa hojii irra kan oolu kan yeroo darbeetiif, gochichi yeroo itti hojjeetame.

J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament*, kan jedhu

“Xumuramee ifatti kan ba'e qeenxeedhaan kan walitti qabamee akka waan sirritti fudhatama. Tarii kan hin xumuramne kan ta'u danda'uu haala fakkii agarsiisu yookaan kan barbadamuu yookaan kan abdi godhatamuudha, haa ta'uu malee kan hin raawwatamne akka waan sirriitti dhugaadhaa fi sirumma isaa argisiisa” (fuula 36).

S. R. Driver, *A Treatise on the Use of the Tenses in Hebrew* yeroo fayyadama barreefama akkasitti ibsa,

“kan rawwatamee fayyadama irra kan oole gocha argisisudhaaf, innis fuulduratti haggaa qabuu danda'uu yeroo ta'u garuu kan hin mulatuu hirkata ta'eti, kan inni ffedha murtoo hin gedaramne qabu innis tarii kan inni dubbatu dhugumaaati kan godhameedha. Akkasitti murtochi abdiin isaa yookaan seera isaa addummaan Waaqumma kan ta'ee irra deddebi'ee kan inni dubbatu yeroo raawwatameeti” (fuula 17 Fakkeenya raajji rawwatame).

Robert B. Chisholm, Jr. *From Exegesis to Exposition* ibsa hanga labsitti rogi galumsa kana kara kanaan ibsa.

“...Haala isa karaa alaatiin ilaala, walumagalatti. Qabatama salphaa akka ibsutti, gochaas yoo ta'e yookaan haala (waa'ee argamuu yookaan kan sammuu). Gochootaaf fayyadama irra yeroo oolu inni yeroo hunduma gochootaaf kan ilaalatu akka xumuramedha. Haala dubbii si'oomuutti isa dubbatu irra yookiin isa seenessu (innis yoo ta'es yoo ta'uu baatees, dhugaa raawwatame yookaan isa xuqaa isa guddaa dhugaa miti). Gochaa raaawwatame yookaan haala gargaaru ta'u danda'a, kan darbe kan amma yookaan kan fulduura. Armaan olitti akka xuqaame qinda'uma yerootti, innis eenyuyyu kan raawwatame kan inni hiiku irratti dhiibbaa kan inni qabatu, gara afaan Ingiliffaatti kan fakkaatu, yeroo irratti kan xiyyafate afaan, dirqamatti daangeefamu kan inni qabu galumsa barreefamati” (fuula 86).

- b. Kan h inraawwatamin (IMPERFECT), Kan hin raawwatamiin kun gocha guddina irra jiru argisisa (kan hin raawwatamiin, kan irraa deddebi'ame, kan itti fufuu yookaan wal-qabatee kan jiru), sochii isaa yeroo hunduma gara galma isaatti. Boci kun fayyadama irra yeroo oolu kan ammaatiif gochaa raajjiitiin.

J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament*, irra, kan jedhu.

“Hundumtuu kan hin xumuramne (All IMPERFECTS) kan bakka bu'an haala hin xumuramiin. Isaniis tokkooyyu kan irra deddebi'aan yookaan guddina irra kan jiran yookaan wal-qabataa kan ta'anidha. Kara biraatiin ibsa kanaan yookaan guddina murta'ee kan qabu yookaan muraasni kan mirkana'e. Dhimmoota hunduma keessatti isaan murasa bifa murta'een jechuun kan hin raawwaatamne” (fuula 55).

Robert B. Chisholm, Jr. *From Exegesis to Exposition* kan jedhu,

“Kan hin xumuramiin fayyadama haala qeenxee hiri'suun rakkisaadha, innis lamaan isaa haaloota waan of-keessati qabaatuuf. Yeroo tokko tokkoo kan hin raawwatamiin fayyadama irra oole haala agarsisuudha akkasummas ibsa qabatamaa laata. Yeroo biraa inni gocha tokkoo kan agarsisu wal-qabachuudhaan al-ta'ootaan wal-qabachun ta'uu kan qabuu fi kan kana fakkaatan” (fuula 89).

- c. Dabalata kan ta'ee *waw*, innis galumsa kan wal qabsisee gocha (gochoota) galumsa isa ol-ka'aa wajjin.
- d. Xiyyeefataa IMPERATIVE,, innis kan irratti hunda'ee fedha isa dubbatu iraatti fi gocha dhageetti dhageefatoota iraarti.
- e. Isa guddaa barreefama Ibiroota durii taayitaa kan yeroo kan ibsan murteessu kan inni danda'u.
- B. Torban boca Arabaabi fi hiika hundee qabeessa. Qabatamatti bocooti kun kan hojjeetan wali wali isaani barreefamaan wal-qabsisuudhaan. Kanaaf gargar ba'uun isaaniif hin ta'u.

1. *Qal (Kal)*, inni guddaan kan barratameef hundee qabeessa kan ta'e kan bocoota hunduma. Innis kan inni ibsu gochaa salphaa yookaan haala ta'udha. Sababa tokko malee yookiin wanti adda hin godhamne.
2. *Niphal*, isa lammaffaa bocaa baay'ee baratame. Innis yeroo hundumaa hojii irra oolera, garuu bocii kun akka galagaltoo isaatiif hubachuusaati hojeeta. Innis immoo sababa tokkoollee yookaan wanti addaa irratti hin godhamne.
3. *Piel*, bocii kunni gocha yeroo ta'u, gochaan tokkoo garaa hojiitti dhuufu isaa kan ibsudha. Hundee-qabeessa kan ta'e hundeen jechaa gara argamutti guddata yookaan hin bal'ata.
4. *Pual*, kun yemmuu gocha (PASSIVE) ta'u qaama faalla *Piel* dha. Innis yeroo hunda kan ibsu keeyyata Booz irraatti.
5. *Hithpael*, innis hubachiisa yookaan galagaltoo hundee (kan galumsaati). Innis kan inni ibsu hundeen Peel gocha dedeebi'a yookaan haggaa yerootti. Darbe darbee bocaa raawwi *othpael* jedhamee waamama.
6. Hiifaal, gocha hundee kan sababa boca Peel wajjiin wal-faallessa. Haali isa fedha yoo qabaate in danda'ama, garuu yeroo hunduma kan inni argisisuu sababaa dhugummaa waan tokkooti. Ernesti Jiini, seer-luga Ibiroota Jarmaan , akka amanutti Peeyil wanti tokko gara ta'utti akka dhufu yeroo ibsu, *Hiphil* akkamitti akka ta'e agarsisa.
7. Hophal, PASSIVE kan ta'e Hiphil kan jedhuuf akka waliin mormutti hojii irra oola. qaama faallesudha. Isaan hundeen dhuma lamaan kun isaan hundee torban irra muraasi fayyadama irra kan oolanidha.

Baay'een ragaan kun kan dhufee *An Introduction to Biblical Hebrew Syntax*, by Bruce K. Waltke and M. O'Connor, fuula 343-452 irrattidha.

Kan bakka bu'utiif kan sababa ibsa. Kan Ibiroota seera galumsa hubachuun furtuu tokkooffaa, isa akka firuuma murtii sagaletti ilaaludha. Hundeen tokko hundee biraa wajjiin wal-faallessa (jechuuniis *Qal - Niphal; Piel - Hiphil*)

Ibsa gara gaditti gocha hundee qabeessa galumsa sababaa hundee agarsisuuf in yaala

VOICE or Subject	No Secondary Agency	An Active Secondary	A Passive Secondary
ACTIVE	<i>Qal</i>	<i>Hiphil</i>	<i>Piel</i>
MIDDLE PASSIVE	<i>Niphal</i>	<i>Hophal</i>	<i>Pual</i>
REFLEXIVE/ RECIPROCAL	<i>Niphal</i>	<i>Hiphil</i>	<i>Hithpael</i>

Ibsi kun kan fuudhatame ibsa baay'ee gaarii ta'e seera galuumsaa irraa yemmuu ta'u, ilaalcha qayyabana warra Akaadi'aatti (cf. Bruce K. Waltke, M. O'Conner, *An Introduction to Biblical Hebrew Syntax*, fuula 354-359).

R. H. Kennett, *A Short Account of the Hebrew Tenses*, of eegachisa barbaachisa nuuf kenna.

“Barsiisuu irraa akkan argadhetti rakkini baratoota innichi guddaan galumsa Ibirootatti kan ta'u hiika isaani argachudha, Ibirooti mataan isaani sammuu isaani keessa kan jiru, kana jechuun tokkoon tokkoon yeroo Ibiroota (galumsa) lakkoofsa ta'ee kan qabu kan Laatini yookaan Ingiliffaa bakka fayyadama bocaa jaallachu qabaachu isaati, wal-qixaa ta'a jedhamee kan tilmaamame innis yeroo isa adda ta'e akka haala

isaati kan hiikamu ta'a. Bu'aan isaas baay'een isaani dogogora hiikatti , innis jireenyaa fi jabina kakuu moofaatiin kan kennamuuf.

Fayyadama galumsa Ibiroota rakkisaa kan godhu gara cina irratti qofa, kanaafiis nurraa raawwatee adda, innis Ibiroonni gocha tokkoo kan isaan ittiin ilaalan yeroochi, keenya walliin kan inni qabu jalqaba tilmaama keessa kan galudha, innis sagalledhuma sanaan yeroo isaanif kan argisisuu akka barreeffama lammaaffatti. Innis kan inni gargaru baroota yaalii godhan akka hubataan godha. Kun Laatiini yookaan kan Ingiliffaa boca isaa hin ta'iin, isaaniis tokkoon tokkoon yeroo Ibiroota hiikuudhaaf, haa ta'uu malee bifi gocha tokkoon tokkoon isaa akka sammuu Ibirootatiin yaadame bifa jirun.

'Yeroota' Maqaan jedhu galumsa Ibirootatiin fayyadama irra yeroo oolu hin dogogorsa. 'Yeroota' Ibiroota yeriicha kan ibsu miti, haa ta'uu malee haala gocha tokkootiin. Dhugummati asirratti wal'alchisuu miti, 'haala' kan jedhu jechaa yeroo fayyadamnu, innis maqaadhaanis ta'ee galumsa irraatti 'haalota', yeroota' irraa haala fooya'aadhaan agarsisu. Yeroo hundumma yaadamu kan qabu galumsa ibroota daanga tokko isa itti hin godhiin gara Ingilifaatti hiikuudhaaf dadhabuu isaati. (Yeroo kan ilaalatee) Kun guutuma guututti Ibiroota biratti kan biraadha. Ibirooti duri gocha tokko haala darbeen yeroo ammaa yookaan yeroo raajjii hin beekan, yeroo raawwatame male, jechuun kan raawwaatame yookiin kan hin raawwatamiin jechuun adeemsa guddinaa irra kan jiru. Yeroo Ibiroota tokko (kan galumsa) erga raawwatamee, raawwatama darbe yookaan kan Ingiliffaa yeroo raajjii wajin wal-fakkaatera yeroo jennu, kan isaa yaadi Ibiroota akka kan raawwatame kan yeroo darbee kan raawwatamee yookaan kan raajjii jechuu keenya miti, haa ta'uu malee akkasumayyuu Ingiliffaan hiikameera jechuu keenyadha. Yeroo gocha tokkoo Ibirootni kaamin illee yoo ta'e kan boca jechamma ibsu hin yaaleen" (kan dursuu fi fuula 1).

Isa lammaaffaadhaaf of-eegachisa gaariin Sue Groom, *Linguistic Analysis of Biblical Hebrew* tarreeffama barnoota afaani kan nuu yaadessu,

"Tasumallee karaa ittiin baratamuu hin qabu, kan ammayyaa beektootni foddoo samii deebisee ijaaru yoo ta'e akkasummas afaan durii du'e galumsa walitti firooma, ta'us miiraa mataa isaani kan calaqisisan yookaan kan mataa isaani kan ta'e qooqa ittiin afaan hiikatan yookaanis immoo bakkeen kunni Ibirooti dur in jiraatu yoo ta'e" (fuula 128).

- C. Haalota (Moods) (isaan afaan lixa ammayyoomaan irraa kan warra ba'a Mesopotamiyaatidha)
1. Inni ta'eera ta'a jiras (INDICATIVE), yeroo hunda fayyadama irra kan oole (PERFECT) yookaan keeyyata kana (PARTICIPLES) (PARTICIPLE hunduu INDICATIVE) dha.
  2. In ta'a, ta'uu danda'aa (SUBJUNCTIVE)
    - a. Kan ilaalatu yeroo hin xumuramne fayyadama ( IMPERFECT tense)
      - (1) Walitti qabama kan qabu (COHORTATIVE) h (added h) kan itti dabalame), rammaddii tokkoooffaan kan hin xumuramne innis dhugaasaa fudhachaa gaafficha irratti amanamuma kan ibsu (jechuun fedha dubbataatiin kan ta'e gocha)
      - (2) Boca jechamaa (JUSSIVE (internal changes) rammadii sadaaffaan kan hin xumuramiin (ramaddi sadaffaa ta'us in danda'a akka himoota al-ta'aatti) innis kan baratame kan inni ibsu gaaffiin fedhii of eegachisa yookaan gorsan.
    - b. Yeroo xumurame fayyadama (PERFECT tense with *lu* or *lule*)  
Ijaarsi kun ramaddi lamaaffaa irra (SECOND CLASS CONDITIONAL) haala himoota Konee Girikiin wal fakkaatadha. Labsii soba (priteesisi) kan uumu dogogora xumura yaada wali gala (apodoosiis).
    - c. Kan in xumuramne yeroo Luun fayadama (IMPERFECT tense and *lu*)  
Qabiyee fi Luu, akkasumas raajji kan agarsisuu haala kan mallattoo ibsa fayyadama godha. J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament* Seera uumama 13:6, Keessa deebi 1:12, Mototaa isa 1<sup>ffaa</sup> 13:8, Farfaanna 24:3, Isayaas 1:18 fuula 76-77).
- D. *Waw* - galagaltoo/itti fufeenya hubachiisa. Kun adda kan ta'e kan Ibiroota (Kana'aanoota) yeroo galumsaa waggootaf jeequmsa guddaa uumera. Innis fayyadama irra kan oole barreeffama galumsaa karaa adda adda hordofuudhaan. Sababi jeequmsa kana beektooti durii warra Awurooppa ta'uu isaanitiif hiikii isaas kan mataa mataa isaani kan ta'e qooqaa afaan ittiin hiikatiin qinda'umma ta'uu isaati. Kunnis yeroo mirka'ana'eeti rakkinihaaf kan isaan gaafatan kan Ibiroota "yaada keessa galchuun" kan durii afaan dur turedha. Yeroo afaan Awurooppa (yeroo) xiyyaafannoo jechammaati.yeroo kan ittiin adda baasan Waaw kan jedhu qubedhaan, innis kan raawwatamee yookaan kan hin rawwatamiin hundee jechamma irratti. Kunnis gochii isaa kara gamee in geedara.

1. Tarreefama seena jechamichi wali wajjin kan wal qabate abba murtii dhabbataa caasati
2. Kan Waaw maxantu dura duraan durse kan turee jechama (jechamoota) walitti firooma adda argisiisa.
3. Barreefama guddaa kan ta'uu yeroo hundumaa kan caasaa jechamaa ibsuudhaa fi furtuu kan ta'eedha. Jechami warra Seem adda ba'anni tarreefamuu hin danda'an.

J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament* yeroo kan inni ibsu kan akkaata fayyadama Waawuu erga xumaaramee fi utuu hin xumuramiin duratti (fuula 52-53). Yaadi darbee kan xumaramnee hundee qabeessa akka qabu kan Waawuu dabalatii isaa yeroo hunduma gara bifa raajjiti isaan geggeessa. Kunni immoo dhugaa hin xumuramiinidha, innis yaadi hundee qabeessi kan amma yookiin kan yeroo raajji ta'e dabalamuun Waawuu gara darbetti taasisa. Kun kan hin baratamne jijjiraa yerooti kan Waawuu dabalataan kan ibsu malee jechamichi mata isaa irratti kan ta'ee jijjirama hiika hundee qabeessa miti .Kan Waawuu kan xumaramnee raajjii irratti baay'ee kan hojjeetu yemmuu ta'uu Waawuu kan hin xumuramiin immoo seena wajjiin baay'ee hojjeta (fuula 54.68).

Waatiis hiika isaa itti fufa

“Waawuudhaan walitti firoomsuu fi Waawuudhaan kan itti fufuu gidduu garaagarumaa hunde qabeessa jiru haala itti fuufuun hiikii dhiyaatera.

1) Waawuu walitti firoomsuu yeroo hundumaa kan uumamu wal cinaatti argisiisuudha.

2) Waawuu waliitti aane yeroo hunduma kan uumamu duraa booda isaa argisiisuudhaaf. Innis walitti fuufenyaa kan hin xumaramniin irratti boca qophaa isaa fayyadammarra ooledha. Walitti dhufeenyi Kan hin xumuramiin gidduu jiruu fi isaan kan walqabate tarii duraa duuba yeroo amakiniyo (loogik) bu'aa, sababa amakiniyo yookaan faalla amakiniyo dha. Dhimmi hundumtuu duraa duuba qaba” (fuula 103)

- E. Raawwatee kan hin xumuramiin (INFINITIVE) isaanis gosa lamatu jiru.wanti lama kan hin xumaramniin jiru.

1. INFINITIVE ABSOLUTES “jabaa, Naaba, ibsa dinqisisaa isaaniis bu'aa diraama fayyadama irra ooledha. Akka kan saati inni jechaama barreesse hin qabu ‘ta’uu’ jechama dhugumatti ifaadha, haa ta’uu malee jechichi bifa diraamattin kan inni dhabbattee qophaati” ((J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament*, fuula 96).

2. INFINITIVE CONSTRUCT, Kan hin xumaramnee galumsa isaanis “yeroodhaan kan wal fakkatan himoota walitti firoomaan kan hubachisaan bakka maqaa firoomu isaani wajjiin”fuula 91)

J. Weingreen, *A Practical Grammar for Classical Hebrew*.Wiingiriin Ibiroota durii rawwatama yeroo ejjennoo mormii isaa ibsa.

“lama (yookaan isaa ol) jechaa baay'ee yeroo waliitti qabsisaan lamaan isaani yaada walitti dabalame tokko uumu. Jecha hirkataa (jecha) kan ta'uu qabu (kan inni ta'u) ijaarsa ejjennoo irra jiru jedhama” (fuula 44).

- F. Gaafatoota (INTERROGATIVES)

1. Isaan yeroo hundumaa jalqaba himaa irratti uumamu

2. Fayyadama hiikaa

a. *ha-deebii* hin eegatu

b. *halo' --barresichi* “eeyyen” deebi jedhu eega

Alta'oota (NEGATIVES)

1. Isaanis yeroo hunduma kan isaan morman jecha fuulduratti uumamu.

2. Baay'ee kan beekame alta'aa loo dha.

3. Al jechii jedhu kan inni qabu hiika wal qabatee jiru qaba . innis fayyadammarra kan inni oolu wal simachuusaatii fi jechama tartiiba isaa eegate wajjin.

4. Leebihiliit jechii jedhu immoo hiiki isaa “hundredhaan....miti” kan jedhu yeroo ta'u kan hin murtoofne wajjiin fayyadama irra oola.

5. In jechi jedhu fayyadama irra kan inni oole keewata Boozi wajjin.

- G. Haalota himoota (CONDITIONAL SENTENCES)

1. Haaloti himoota gosa afur kan qaban yeroo ta'u isaaniis hundeen saani Koone Girikii wajjiin wal-cinaadha.

- a. Wanti tokkoo yeroo raawwatu akka ta'uu yookaan akka yaadamuu godhamee yeroo tilmamamuu ( rimmidii tokkooffaan Girikidhaan )
  - b. Wanti tokko dhugaa wajjiiniin kan wal-mormee raawwati isaas kan hin danda'amne (rimmidi lamaaffaa )
  - c. Wantii tokko kan danda'amu akkasumas immoo carraa ta'u kan qabu ( rimmidi sadaffaa)
  - d. Wantii gadi bu'ee tokko carraa ta'uu kan qabu kanaafiis rawwatami isaa kan nama shakkisisuu ( rimmidi arfaffaa )
2. Adda baasa yeroo (GRAMMATICAL MARKERS)
- a. Dhugummaa yookaan haala sirumma in ta'aa jedhamee tirmaamamu kan argisisuu kan xumurame yookaan keewata Booz yeroo hundumaa fayyadamadha. Akkasumaas jechii isa jalqaba kan beekamee kan
    - 1) *'im*
    - 2) *ki* (or *'asher*)
    - 3) *hin* or *hinneh*
  - b. Haala dhugaa wajjiin wal mormuu yeroo hundumaa kan fayyadamuu bifa raawwatame jechama yookaan keewwata Booz innis Kaalu yookaan Luuli seensa keewwata Boozii wajjiin ta'a.
  - c. Baay'ee kan in ta'a haala yeroo hunduma fayyaduu jechamma hin xumuramne yookaan jechaa dura kan jiruu keewwata Booz yeroo ta'uu yeroo hundumaa Im yookaan Ki akka itti lixaatti keewwatoota Booz fayyadama irra in oolu.
  - d. Xiqqaatti kan in ta'a haala kan fayyadu haala hin xumuramiin kan ibsu innis jecha duraa fi yeroo hundumaa kan fayyadamu Im akka galumsa duraati.

## IBSITUU KANA KEESSATTI GABAAJEE HOJII IRRA OOLAN

AB	<i>Anchor Bible Commentaries</i> , ed. William Foxwell Albright and David Noel Freedman
ABD	<i>Anchor Bible Dictionary</i> (6 vols.), ed. David Noel Freedman
AKOT	<i>Analytical Key to the Old Testament</i> by John Joseph Owens
ANET	<i>Ancient Near Eastern Texts</i> , James B. Pritchard
BDB	<i>A Hebrew and English Lexicon of the Old Testament</i> by F. Brown, S. R. Driver and C. A. Briggs
IDB	The Interpreter's Dictionary of the Bible (4 vols.), ed. George A. Buttrick
ISBE	<i>International Standard Bible Encyclopedia</i> (5 vols.), ed. James Orr
JB	Jerusalem Bible
JPSOA	<i>The Holy Scriptures According to the Masoretic Text: A New Translation</i> (The Jewish Publication Society of America)
KB	<i>The Hebrew and Aramaic Lexicon of the Old Testament</i> by Ludwig Koehler and Walter Baumgartner
LAM	<i>The Holy Bible From Ancient Eastern Manuscripts</i> (the Peshitta) by George M. Lamsa
LXX	Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970
MOF	<i>A New Translation of the Bible</i> by James Moffatt
MT	Masoretic Hebrew Text
NAB	New American Bible Text
NASB	New American Standard Bible
NEB	New English Bible
NET	NET Bible: New English Translation, Second Beta Edition
NRSV	New Revised Standard Bible
NIDOTTE	<i>New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis</i> (5 vols.), ed. Willem A. VanGemeren
NIV	New International Version
NJB	New Jerusalem Bible
OTPG	<i>Old Testament Passing Guide</i> by Todd S. Beall, William A. Banks and Colin Smith
REB	Revised English Bible
RSV	Revised Standard Version
SEPT	The Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970
TEV	Today's English Version from United Bible Societies
YLT	<i>Young's Literal Translation of the Holy Bible</i> by Robert Young
ZPBE	<i>Zondervan Pictorial Bible Encyclopedia</i> (5 vols.), ed. Merrill C. Tenney

# **ERGAA BARREESSAA: IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?**

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.

Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyooti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Biroootti waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikkaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

## **Qajeelcha duraa**

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqulluu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda adda keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsiituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaaboo kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

## **Qajeelcha lammeesso**

1. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS<sup>4</sup>). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.
2. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofta akka hubatan isaan gargaara.
3. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.
4. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaata isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS<sup>4</sup> fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.
5. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaradha.
6. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikkaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

## **Qajeelcha Sadeesso**



Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda’u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta’u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo, dogma’uu** fi **bu’uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta’uu akka hubataniif carraa bal’oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa’u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta’udha.

Bob Utley  
East Texas Baptist University  
June 27, 1996

# QAJEELCHA DUBBIFANNA KITAABA QULQULLUU DHUGAA MIRKANAAF BARBAACHA MATAYYAA

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jirani? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amanti muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdi dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluu jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulqulluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatii ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amanti jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristoositti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatammaa walddhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtillaama

- A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muumme ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuura) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.
- B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyoo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Quqlulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.
- C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa'ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqulluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka'umsa barreessicha duraa irratti hundaa'ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta'uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.


1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guummati
5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
7. Dubbifata walinfallessine ta'uusaati.

Namoonni qo'annoo kanaas kaayyoo qo'annoo bareeffama kanaa nuuf ta'e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii garagaraafi dhabamuu qabuun waa jedhe.


## II. Mala hin mallee

- A. Qabiyye hogbarru kitaabilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.
- B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.
- C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.
- D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.
- E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa'a. Kun ammoo nuyiif akka "deebii dubistootaa" ilaalama. (qabiyye jechun anaaf maalajechuudhaa" hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.



Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalammuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarratin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti

muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

### III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba *“How to Read The Bible For All Its Worth”* jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha. Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. “Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa “jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
  - a. Seenaa yoomessaa
  - b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
  - a. Caasaa giraamaraa (syntax)
  - b. Ittifayyadama hojii baraa
  - c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
  - a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

#### A. Marsaa dubbisaa duraa

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Biroon
  - a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
  - b. Gitaan addaan (HIH, JB)
  - c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)
2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.
3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.
4. Bifa hoggarruu ulfaatoo adda baasaa
  - a. Kakuu Mooffaa
    - (1) Barreeffama Ibrootaa
    - (2) Walaloo Ibrootaa (hoggarru safii, farfannaa)
    - (3) Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
    - (4) Seera tuma

#### B. Kakuu dubbisa lammeesso

1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubbisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

#### C. Marsaa dubbisaa sadeessoo

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.

2. Qabxiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
  - a. Barreessaa
  - b. Guyyaa
  - c. Argataa
  - d. Sababa addaa barreessicha
  - e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
  - f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annooti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

#### **D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
  - a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
  - b. Gita addaan (HIH, JB)
  - c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamararaa ykn barruu ilaali.
  - a. Jechama irra deddebi'oo, Ef. 1:6, 12,13
  - b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
  - c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
  - a. jechoota barbaachisoo
  - b. Jechoota hin baramne
  - c. Caasaa giraamara barbaachisaa
  - d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
  - a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
    1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
    2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
    3. Tartiiba jechoota
  - b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'orama heddu kan dhalatan muddama dhugomsabarruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
  - c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Quqlulluu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
  - a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
  - b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
  - c. Seensa kitaaba Qulqulluu
  - d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

#### **IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuura barreessa

ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf “Gooftaan isinitti hima” jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama “kenya” – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firoomuu qaba.

## I. Kallatti hiikkaa afuuraa

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

- A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
- B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
- C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
- D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
- E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

- A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 “Itti gara sammuu namoota Waaqayyooti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayyoo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irratti godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.
- B. Kitaaba “kiyeerkigaard protestant biblical interpretation” ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. “Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoo dubbifamuu qaba.
- C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessatti moo “Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyoomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

## II. Mala ibsiituu kanaa

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

- A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. “Marsaa dubbisaa # 3” eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.
- B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundarratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.

- C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
  2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
  3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
  4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
  5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
  6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

- D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
1. Qabiyyee barruudhaa
  2. Ilaa aadaafi seenaa
  3. Odeeffannoo giraamaraa
  4. Qo'annoo jechootaa
  5. Dubbisa walmaddi fayyadan
- E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
  2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale iyyaalessa irraa gargale.
  3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
  4. Jeruusaalem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uura'ee Ingiliffaatti hiikkame.
- F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayyadamuun isa tola.
1. Garaa garuummaa barruuwwanii
  2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
  3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
  4. Barruu jeeqamoo
- Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti iyyeeffatu.
- G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irratti xiyyeeffataniiti.

# SEENSA AMOS

## I. MAQAA KITAABICHAA

- A. Kitaabichi maqicha kan argate Raajicha irraati.
- B. “Amos” kan jedhu maqaan ta’uu kan inni danda’u:-
1. “Ba’aa kan qabu ta’uu” (BDB 770, KB 846)
  2. “Ba’aa baachu” (BDB 770, KB 846)
  3. “Gargaara ta’uu” (Ta’uu kan danda’u “YHWH baate kan ture [KB 847]. Tarii ibsi gabaaban Amos kana yoo ta’u, hiiki Isa “YHWH inni tarii yoo gabaabatu “Yaahiwwen in dhaga’a” kan jedhu maqaa Amesiyas ta’u in danda’a Sena isaa 217:16).
  4. Aadaan barsiisaa tokko cimsee akka dubbatutti ergaa isaa kan morman namoonni kan kennamee yoo ta’u kunnis kan inni agarsiisu ifatti dubbaacha akka hin turee yookaan giinga’aa akka tureedha.
- C. Kun Kakuu Moofaa keessaatti yeroo tokko qofa kan argameedha. Abbaa Isa “Amos” (Isa 1;1) qubichii bifa addaatiin kan kaa’ameedha. Luk 3:25 irratti hidda sanyii keessatti xuqameera.

## II. AKKAATAA KITAABICHI ITTIIN CALALAME (CANONIZATION)

- A. Kitaabi raajicha kun kutaa raajoota xixxiqootti kan ramadamuudha.
- B. Raajichii kun raajota xixxiqoo kudha lamaan keessa isa tokkoodha. (Kana jechuun kitaaba raajota gaggabaaboo)
- C. Kan kudha lammani yookaan raajoota xixxiqoo wal duraa duuban seena beektoota baay’ee adeemsa turee irraa kan argame ture.Haa malee yaada kana wajjin kan wal qabatee rakkinoonni turaniiru.
1. Kan jalqaba kitaaboota ja’an MT fi LXX gidduu garaagarummaan jira

### MT

Hose’aa  
Yo’el  
Amos  
Obaadiyaa  
Yoonas  
Miikiyaas

### NXX

Hose’aa  
Amos  
Miikiyaas  
Yo’el  
Obaadiyaa  
Yoonas

2. Raggootni
3. Yeroon Iyyo’el wal mormii olaanaa qaba. Ani garuu Iyyo’eliin akka Obaadiyaa raajoota booju dura jiran wajjin nan ramada.

## III. SHARBEE

- A. Kitaabni kun raajoota jiran kan jalqabaa fi itti aanani kan dhufan Shaarbee (genre) kaa’a.
- B. Kana jechuun kan durii kan nama ajaa’ibsiisu kan Ibirootan raajameedha. Kun Ibirootaaf fakkeenya gaarii seera walaloo fi asoosamaati. Kan Ibirichaa walaloo 1:2 irratti mata duree addaa ilaali.
- C. “Kan Amos” barreefamootni hagas mara beekamoo miti. Raajoota warra boodde kan jedhaman barreffama ajaa’ibsiisa jalqabee. (Isai - Miikiyaasitti)  
Amos miira mata isaatiin firdii Waaqayyo isa dhufuu beeksisuuf sirna haawala faaru boo’cha fayyadameera. Bifa, safaraa fi qabiyyee ergaa firdii akka ta’utti dabarsuuf fayyadamu.



- D. Kanatti fufanii kan tarreeffamanii kan murta'an luqisoota gaariidha.
1. Yeroo kanaaf Raajotni guduunfaa gaarii Expositor's Bible commentary maxansaa 17, "Amos" keessatti argamu. "Ta'us garuu yeroo wal fakkaatatti bara 18 biyyi lafa kana dura utuu beekanii akka hin beekne baayee ga'umsa kan qaban humna namuusaa jechuuniis barreeffama raajoota akka ture raga ba'aaniiru. Namootni kun baayee bal'ina kan qabu kan adda addaa seena duraa kan qaban yoo ta'an Waaqayyo kan isaan waamee waan ta'aaniif kan waliin amantii cimaa qabu turan. Raajootni kun tooftaa mala jireenya adda addaa yoo qabataniyyuu hunduu garuu kan barreessan olaantumaa Waaqa hundaa danda'uuti. Raajootni yeroo sana kan ture cubbamoota irratti dubbataniiru. Dabalataaniis lamaan isaaniitiif Yihudii fi horma waa'ee bilisa ba'u yeroo dubbatan gara fuula duraatti kan dhufuu faggeefamee in raajama ture. (Fuula 269)
  2. Kyle M. Yates, *Amos irratti qayyabatameera*.  
 "Amos raawwatee nama isaan abdatachuu danda'uan akkasi hin ture. Ilaalcha isaatiin namni tokkoo yoo ta'eeffis ta'uufiis baatu ergaa raajichaan jijjiramni dhufuu garuu itti fufiinsa qaba ture. Barri darbaan jaarra 27<sup>n</sup> jijjirama dhufuu kana hin dhoksine. Amala nama Waaqayyo kana gadi fageenyaan kan ilaalee fi ergaa raajichaa akka ta'utti kan qo'atee namni kamiyyuu jireenyi isaa akka kanaan dura ture hin ta'u. Haawasii har'a firdii jal'atee akka salphaatti hin fudhatu yookaan immoo Waaqayyo ijoollee isaa hundumaa wanta gaarii qabu ilaalu in danda'a."
  3. Rraajota xixiqqaa *Theo Laetsch*  
 Kakuu Moofaaatti waa'ee lafaa urjoota gurguddoon arfan raajoota Amos, Hose'aa, Isaii fi Miikiyaas saba Waaqayyoo kan isaan marsee lolaan cubbuu fi kan hin deebine hameenyi isaani ifatti argisiisuudhaaf kan yaalaan dhugaatti kan agarsifaman namoota Waaqayyo dha. Kakuu Moofaa keessatti sooreessa iyyeessa irraa, dargageessa jaarsa irraa, kan gadi qabaman finciltoota warra wa'iin dhaadatan irraa abbaa hir'ee utuu gargar hin fuudhiin ajajamuu guddaadhaaf fedha qulqulluu seera Waaqayyo akka raajoota kanaatti lalabamee hin beeku. Akkasumas immoo bara Kakuu Moofaa keessatti yeroo kamitillee Wangeeli qooqa ifaadhaa fi karaa minya'uun qajeelfama Waaqayyootiin namoota kana irraa adda lalabamee, labsamee hin beekamu. Haa ta'uu malee yaaliin amanana namoota kanaa fi uummata isaaniitiif hawi qajeela isaan qaban jechan ibsamuu kan hin dandeenye cubbuu isaaniitiif namoota hin dhageenye haxaa'ee kan isaan fudhatuu firdiin Waaqayyo kan ta'e bishaan badisaa irra deebisuu hin dandeenye. Raajoonni kunni amma illee fiixaan ba'umsi isaan argatan kan murta'ee ta'us dhaloota dhibbaaf kan qalbii jijjiranaafi kan bilisa ba'umma waamichi isaani itti fufee kan turee yemmuu ta'u olitti kan ta'e waamichi isaaniis amanamuma isaani agarsiiseera. Ergaan isaani har'as yeroodhaaf barbaachisaa akka ta'ee hundumaa waggoota 2005 durasii in barbaachisa ture. Kunnis bara baraan kan cimee dhaabatu sagalee Waaqayyoti (Fuula 136).

#### IV. BARREESSICHA

- A. Aadaan Yihudoota yeroo hundumaa akka mirkaneefatuf barreesichi kan Tequ'ee Amos akka ta'edha.
- B. Namtichi
  1. Kan Tequ'ee kan ta'ee Yihudii ture. ("Namoota hubatoo jedhamani kan beekaman (2Sam14) bakki kunnis Beetelemi irraa kibba bahaati mayil 5 irratti kan jiru yeroo ta'u kan inni ta'ees naannoo gaaroota (2,700) bakka irratti. (cf *The International Standard Bible Encyclopaedia* jildii 1 fuula 120).
  2. Inni raajii yookaan maatii raajoota yookaan immoo waliwajjiin kan jiraatan miseensa hawaasicha hin ture. (cf 7:14) yeroo jalqabaatti raajonni jiraacha kan turan uummata keessa wali wajjin turan. Booda irratti garuu kan murta'aan mana mootumaa keessatti argamuu danda'aniiru.
  3. Ifatti akka mul'atutti "kan hoolota xiqqoo" (Arabicha) eegdu ture. (BDB 667, KB 719-720, cf 1:1 ta'uu kan qabu "eegdu hoola", "gurguraa hoola" yookaan "abbaa hoola" [cf 2Mot 3:4] tikse

(BDB 133) adda kan ta'ee fi jecha barratame yemmu ta'u 7:14 keessatti isa ibsuudhaaf dubbatameera.

4. Inni (1) Abbaa ija mukaa yookiin (2) “funaana ija arbu” (7:14) kunnis argisiisu kan danda'uu wagga waggaadhaani gara iddoo biraatti akka socho'udha. Mukoonni kun “sanyii ija ejersaa” jedhamu. Iji harbuu baay'inaan ija ejersaa fakkaata. Tokkoon tokkoon “iji eejera” sirritti akka bilchaatu adda addaan uramutuu irra ture. Kunni namoota warra lixaatiif ija midhaanii baay'ee barbaachisa ture. Daawit mataan isaa ija midhaan kana akka eeganiif hordoftoota adda hojjisiise ture. (cf Macaafa seena isa dura 27:28) baay'inaan raajiin Amos ka'umsi isaa jireenya isaa qonna irratti kan dabarse ture.
    - a. 1:2
      - (1) Bineensoota bosonaa 3:3-8 , 5:19
      - (2) Bobaasa lafa margaa
      - (3) Hongee
    - b. 2:13 kan guutame konkoolaata
    - c. 4:6-9
      - (1) Hir'inaa buddeena lakk.6
      - (2) Sanyii midhaaniitiif bokkaan hin jiru lakk.7
      - (3) Bishaan dhugamuu hin jiru lakk.8
      - (4) Qilleensa gogaa lakk.9
      - (5) Waagi lakk.9
      - (6) Lubbu qabeeyyi bar'isan lakk.9
    - d. 5:16-17
      - (1) Kan bo'an qotee bulaa lakk.16
      - (2) Kan badaa jiran lafa qonnaa waynii lakk.17
    - e. 7:1-6
      - (1) Gurmuu haawanisaa lakk. 1-2
      - (2) Ibibda lakk.4
    - f. Ija qarmii
    - g. Kan qonnaa waqtilleen oomishaa kan YHWH jiraachuu fi eebba kan argisisaniidha (cf. Deb. 27-29).
  5. Aadaan Yihudii akka jedhutti inni filatamaa nama daldalaati. Jechii kun garuu “inni qotee bulaa biyyaa hiyyeessaa” kan jedhu yeroo ammaa irraa kan baratamee ilaalcha baay'ee adda kan ta'eedha. Inni kan qabu seera walaloo fi seera barreeffamaa beekumsa gaha sababa garu aadan Yihuudii sirri ta'u danda'a. Saamu'el isaa 214:2ff akka beeknutti yoo ta'e Qeequhe hubatoota lammii isaani adda taate in beekamti. Inni ergaan isaa maxansa tokkoon kitaabi kan galma'eef raajii isa jalqabaa ture. Nami jalqabaa bakka maqaa 5:1, 7, 1-9, 8:1, fi 9:1 keessatti hubadhu.
  6. Lalabichiis bittaa warraa kaaba Israa'eliti. Ammam illee bakkii lalabaa baay'een yoo jiraatees sirritti akka beeknutti Bet'elehem (kana jechuun bakka jabbiin warqee jiru) kan Betel waaqa tolfamaan bakka jiru bakka lalabaa akka ture.
- C. Rakkoowwaan barreesicha bitaacha kan namatti galaanidha. Sababi isaa
1. Kitaabichi akka inni argisiisuutti inni hiyeessa hojjetaa qotee bulaa ture.
  2. Walaloon isaa tooftaa fi qabiyyeen isaa baay'ee gaarii turan. Kun kan argisiisuus baay'ee kan baratee nama dhuunfaadha.
  3. Barsiisi isaa kan darban haasa daddarbaan ta'u gochuudhaan yemmu ta'u jarri kan baay'ee seera qabataniif fi qixa kan eegan turan, seeri barreeffamaa ta'uu isaanitti.
  4. Beektootni baay'een Amos qopheessa barreeffamaa yookaan gargaara barreessaa akka ture amanu. Barreessa akka ture ragaa kan ta'u 7:10-17 irratti kan ibsamee nama sadadhaan yemmu ta'u 7:1-9, 8:1-2,9:1 akkasumas yeroo jalqabaa fira. (*The Expositor's Bible Commentary, jildii 7 fuula 271*).
  5. Nuti namoonni bara kanaa isaan macaafota qulqulluu akkamitti akka barreefamaniif akka qinda'aan akkuma namoota Kakuu Moofaa in beeknu. Ta'us barreessan inni olii haafura Waaqayyotti. Asi irratti inni guddaan barbaachisaan kan biraa utuu hin ta'in kitaabooti sun kan

qabatan qabiyyeedha. Macaafonni Qulqulluuni Waaqayyo biraa umrii hundumaatii fi aadaaf kan ta'u keessumatti immoo namni qabeenya isaa fi humna isaa godhachuu kan qabu dha.

## V. YERICHA

- A. Raajiin kunni waggaa 750 waggaa kudhan duraa yookaan booda akka raawwatame dubbachuuf wal bira qabuudhaaf salphaadha.
- B. Kan jalqabaa luqiisii dheeraa fi ibsa Macaafa Kakuu Moofaa kamiin iyyuu yeroo sanaaf baay'ee ifaadha.
  - 1. Oziyaan yeroo mo'ee Dhaloota Kiristoos dura naannoo 783-742 irraatti (Bright)
  - 2. Iyyurbi'aam yeroo mo'ee Dhaloota Kiristoos dura naannoo 786-746 irraatti (Bright)
  - 3. Yeroo raafama lafaa kan barreeffamee beekuuf kan dandeesisuu ta'uun isaa yaalameera (1:1,8;8,9:1,5 Zak. 14:5). Josefas dhugaa kana 2Sen. 26:16-21 irra kan jiru Oziyaan yeroo aarsaa dhiyeessuu wajjin walqabsiisa. Qorannoon Arkiyooloojji adeemsifamen bara 760 naannichatti in mulifamuu (Yadin 1964).
- C. 5:8 fi 8:9 irratti agagamuun aduu mul'ateera. Akkam yoo ta'ellee Dhaloota Kiristoos dura Guraandhala 9 784 guutama guututti agugamuun aduu yoo jiraates kun Dhaloota Kiristoos dura Waxabajji 15/763 galmee warra Asoor irratti kan ibsame agugaan aduu wal fakkaata ta'uun isaa hin oolu.
- D. Amos Amasiyaas irraa (Bulchiinsa Iyoorbi'aam jala yeroo turte Lubaa Beetelem kan ture) kan jedhu wajjin wal dhiite. Kunnis yeroo barreeffame in mul'isa.

## VI. YOOMMESSA SEENICHAA

- A. Keeyata fakkii Macaafa Qulqulluutiin kan argamu
  - 1. 2Mot 14:3-17:6
  - 2. 2Sen 25-28
  - 3. Hose'aa
  - 4. Isa
  - 5. Miikiyaas
- B. Saba Waaqayyo giddutti waaqa tolfamaa waaqessun guduunfa haala salphaadhaan Heese keessatti ilaalun in danda'ama.
  - 1. 2-16 "Deebite Ba'aalii koo jettee naa hin waamtu"
  - 2. 4:12-13 "Ijoolleen dubaraa keessan in sagaagilu"
  - 3. 4:17 "Efireem waaqat olfamaa wajjiin wali gale; hin dhiise"
  - 4. 13:2 "Namooti dibijicha haa dhungatan"
- C. Yoommessa hawaasa
  - 1. Yerichii Isiraa'eli fi Yihudaadhaaf sorooma dinaagdee fi humna waraana babalisku yeroo turedha. Haa ta'uu malee garu sooromni kun bu'an isaa kutaa badhaadhe qofaaf ture. Hiyeesaa fi kutaa giddu galleessi miidhaadhaa fi gadi qabamuu turan haali wali gala isaa "horiidhaa fi shuguxiin" waaqa tolfamaa dabalataa in fakkaatu turan.
  - 2. Kan lamaan isaani kan Isiraa'eli fi haawasi Yihudoota tasgabii fi qabeenyaa ka'umsa wantoota adda adda wajjin wal qabata.
    - a. Kaabati kan Iyoori'aam kan yeroo dheeraa fi kan irraa hafe muudama akkasumas kibbatti kan Uzzihaa (783-742).
    - b. Kan Gibxii fi kan Messopotamiyaa kan yeroo kan ta'e mucucaachuu
    - c. Dhaloota Kiriistoos dura 805 Soriyaatti mo'amuu warra Siriyaa
    - d. Israa'eli fi Yihudaa giduutti walitti bu'iinsi ka'u isaa
    - e. Hammamille yoo ta'e kutaan warra soreessa bittimsuu yoo qabaateyyu lafa Filsxeem karaa kaaba gara kibbaatti geggeeffamaa kan ture gabarsisuu fi saamicha guddina qabeenya isaaniitiif sababa ture.
  - 3. Iyooriyaamitti muudamalamaffaayeroo turee "kan Samariyaa Ostiraakaa" bara Soloommitti akka ture bulchiinsaa dhaabaa akka ture akka ture agarsiisa. Kunnis nuuf gochuu kan inni danda'uu warra qabaniin fi warra hin qabne gidduttii qaawwa jiruudha.

4. Amanamuu dadhabuu warra durreessaa “kan uummaticha firdii qajeela raajji” kan jedhamu Amos keessatti ifatti argameera. Kanaan wal qabatee lamaan isaani Isira’eeli fi Yihudaatti kan barratame qaami firdii kennu waliin dha’uu isaatii fi kan wal rukkute dhiibbaa daldalaa rukkutu agarsiisu kan danda’an fakkeenyoota lamaani dha.

D. Yoommessa amantii

1. Yeroon isa sochi amanta soba ta’e kan itti mulatu ture. Haa ta’uu malee xinnoos ta’u amantiin dhugaas tureera. Kan babalataa dhufee seera waaqefana hormoota amantii Isiraa’el keessa gale ture. Uummati ishee kan wali galan waaqa tolfama waaqefatu turan. Haa ta’u malee YHWH jedhani waamaniiru. Sabni Waaqayyo gara siyaasaatti shaakala jal’chuu warra amanta hin qabneen waaqefannaa fi shakaloota keessa akka galan godhamaniiru.
2. waaqi tolfamaan Isira’eel waaqeffanaan isa dabalun isaa mototaa isaa 2 17:7-18 irratti ibsameera.
  - a. Lakk. 8 shakaala waaqefannaa hormoota kan hordofeedha.
    - (1) Waaqefannaa sorooma
      - (a) Bakkoota ol ka’aa lakk.9,10:11
      - (b) Siida amanti (Baa’al) lakk.10,16
      - (c) Ashiriin (Ashirin) lakk. 16 isaan mallattoo mukaa yemmuu ta’an kan isaan bakka bu’an kan Baa’al bulchiinsa dubartii ture. Mukoota jal’aadhaa fi yookaan kan dhabbaatani jireenyatti turan mukoota turan.
    - (2) Hooda lakk. 17 kunni bal’innani LEV 19-20 fi Deut 18 irratti ibsameera.
  - b. Lakk. 16, YHWH bakka bu’uudhaan Daani fi Beetelitti Iyooribi’aami 2:- kan isaan kaa’ani fakki gafaarsa warqee irraa waaqessuu itti fufani turani. (1Mot 12:28-29)
  - c. Lakk. 16 kan warra Babiloon waaqa tolfamaUmain waaqessu turan. Aduu, ji’a, urjootaa fi maqaa kan qaban urjoota.
  - d. Lakk.18 kan warra Finooshiyaa kan sorooma waaqa tolfamaa abidda Molech in waaqessu turan ( Lev 18:21,20:2-5)
3. Ba’aalooti (W. F. Albright’s *Archaeology and the Religion of Israel*, fuula 82)
  - a. Burqaa gaariin keenya “Ba’al Epic of Ugarit” dha.
    - (1) Ba’aal yeroo isaa eege kan ka’uufi kan du’uu waaqa tolfamaa akka ta’e argisiisa. Du’aani erga mo’amanii boodde warra du’an itti makamaniiru. Hundumtuu lafa irraa jireenya qabu dhaabeera. Haa ta’u malee kan dubartittiidhaan gargaarsa waaqa tolfama soba du’aa ka’uudhaan gannaa tokkoon tokkoon du’a in mo’atu turan. Fakkeessudhaani kan waaqeffamu soban kan waaqefamuu waaqa soorama ture.
    - (2) Hadada jechuudhaniis in beekama ture .
  - b. Eel kan uummata waaqa horma isicha guddaa waaqa soba yemmuu ta’u, haa ta’u malee kan Ba’aal beekamtummaa bakka isa fudhateera.
  - c. Isiraa’el ilma mooti Xaa’eer kan isaan qaban Jaazibeel Iraan irraa dhiibbaa Ba’alism irratti godhama ture. Yexibeel Omiri mucaan isaa Hahabiin kan ishee fillate ture.
  - d. Isiraa’el keessatti Baa’al naannoo sanatti bakka olka’aa irratti in waaqqefama ture. Ba’alis bakka olka’a irratti kan jiru dhagaa bakka bu’e in argama ture. Ashaara haadha mana isaa yeroo taatuu kan isheen bakka buutus muka jireenya bakka bu’uudhaan muka irraa kan hojeetame fakkiidha.
4. Baayina kan qaban gosii waaqeffanaan waaqa tolfamaa fi burqaa isaani ibsameera.
  - a. YHWH waaqessuuf Beeteli fi Daan Iyoribiyaam lammaan kan inni hidhe gafarsii warqe
  - b. Naannichatti bakkooti olka’oon kan Iraan waaqolli tolfamaa sorooma fi waaqa tolfamaa waaqessu.
  - c. Yeroo sanatti siyaasicha keessa kan ture walitti dhufeenya waaqefannaa waaqa tolfamaa cimaa.

E. Kaaba keessatti kan siyaasaa yoomii fi eessa

1. Iyoorobiyaam isaa 2 kan Israa’el isa dhuma mooti cimaa ture. Yihudaati hiddi dhaloota isaa 4 kan turee fi dhuma irratti akka inni hin mudaamne kan murta’ee ture ( Mootota isaa 2 10:30) siyaasan kan milka’ee fi yeroo dheeraadhaaf kan mo’e ture (756-746 tti Dhaloota Kiriistoos dura).
2. Iyooribi’aam du’a lammaa booda waggaa 25 keessatti mooti ja’a turan.
  - a. Zak (2Mot 15:8-12) ji’a ja’a qofa erga mo’ee booda ajjeefame
  - b. Shaalom (2Mot 15:13-15) ji’a tokko qofa erga mo’ee booda ajjeeffame

- c. Manahiim (2Mot 15:16-22) waggaa kudhaniif mo'ee turee haa ta'u malee baasi gibiraa cimaa baaseera.
  - d. Rikaahiim (2Mot 15:23-26) waggaa lamaaf erga mo'ee booda ajjeefameera.
  - e. Pekaa (2Mot 15:27-31) wagga shan erga mo'ee boode ajjeefameera. Magaala Asoor baay'ee harkaa baafateera.
  - f. Hose'aa (2Mot 15:3,17:1-6) waggaa sagaliif erga mo'ee booda Samariyaan yeroo kuftuutti Asooriin 722 tti biyyicha ari'ameera.
3. Jaarra 18tti Filisxeemiin kan xuqee Asoorii fi loltoota Babiloon guduunfa kan ibsan.
- a. Afranuu kan jaarra 18 raajonni Asooritti kan Tigiris Ifiraaxis bittaa yeroo ka'etti in socho'uu turan. Israa'elin kan ilaalate Waaqayyo mooti hamaa saba isaa irratti akka faradan gochuu in danda'a ture. (Syro-Ephramatic League) jedhamee kan waamamu kan Tiraan Joordaan siyaasi isaa fi humni warraana isa firooma hundessuudhaan kan ta'e ture. (735 Dhaloota Kiriistoos fuula dura). Soriyaa fi Israa'el Asoor irratti ka'uudhaaf Yihudaa dirqisiisuudhaaf yaalani turan. Haa ta'uu malee faalla isa mootiin Yihudaa kan ture xalayaa gargaarsa gaafatu Asooriif ergeera. Bittaa babalisuudhaaf fedhii guddaa qaba tureTelgeltelfelsor (III) (745-727 Daloota Kiristoos Dura), rakkina humna warannaa isaatiif deebii kennudhaaf Soriyaa weerare. Xinnoo turee Israa'el keessatti bakka bu'a Asoor kan ture Hose'an (732-722 Daloota Kiristoos Dura), motumaan Gibxiin of irraa ittisudhaan fincille. Shalmaneser 5ffn (727-722 Daloota Kiristoos Dura) yeroo shanaaf ammas Israa'elin qabate. Israa'eli to'annaa isaa jal'aa utuu in ooliniif du'e. Haa ta'uu malee duuka bu'ooti isaa kan turan Sargon 2ffaan Dhaloota Kiriistoos fuula duraa 722 -705 magaalaa guddoo Israa'el Samariyaa qabate. Yeroo kanatti Asoor 27,000 ol kan ta'an Israa'eloota gara iddoo turanitti deebisteetti sababi isaa Tigilaat Alaasar kanaan dura Dhaloota Kiristos dura 732 kumaan kan lakkaa'an baste turte.
  - b. Akahaziiz (Dhaloota Kiristos dura 735-715) erga du'ee booda Dhaloota Kiristos dura 735-715) Asoor irratti kan biraan kan Tiraansa jaardaan biyyooti fi kan Gibxii humna warannaa wali wajjin hunda'ee ture. kunnis "Fincila Ashadood" jedhama ture. Ashoor yeroo qabamteetti baayeen magalootti Yihudoota diigamani turan. Jalqaba Hezekia hidhata wali wajjin kana deggere ture, booda irra garuu deggersa gocha ture addaan kuteera.
  - c. Ta'us garuu ammas kan Asoor mooti cimaa Saargoon lamaa Dhaloota Kiristoos dura 705 du'a isaa duukaa bittaa Asoor hidhata bitta finciltoota biratiin yaalame ture. Isqiyaas fincila kana giddutti Seenakreb Dhaloota Kiriistoos dura (waggaa 705-681) Filisxeemoota cimsanii qabachuudhaan magaalaa Yerusaalemitti dhiyaatani buufatani turan. (Motoota 2 18-19, Isa 36-39). Haa ta'uu malee loltoonni Seenakireebi dinqii Waaqayyotiin rukkutamaniiru. Seenakireeb yeroo ammamiif Filisxeemiin akka rukkute beektoota giddutti gaaffiin murta'ee jira (fakkeenyaaf Yohaniis Birahiti isaa tokkoo kan rukkutee fi tarii ta'uu kan qabuu tokkon 688 Dhaloota Kiriistoos fuula dura fuula 270). Isqiyaas warri Asoori humnaan qabachuu isaani irraa fayyee ture. Garuu qabeenyaan Yihudaa warra Babiloonitti argisiisusaatin oftullummaa irraa kan ka'ee Isa kufaati Yihudaa agarsise (39:1-8). 587-586 Yerusaalem Nabukadinastoori irratti kufteetti.
  - d. Dabalataniis Isa saba Waaqayyoo Qiirros lammaa jalatti akka gurma'aan raajee ture. Faariisi fi Meedoon bitaa (41:2-4, 44:28, 45:1, 56:11). 612 tti Naannawween kufte Babilooniin, haa ta'uu malee magaalaa Babiloon 539tti waranni Qiirros harkatti kufteetti. Qiirros 5:38tti Yihudoota dabalatee hundumtuu biyyaa isaanitti kan hari'aman gara biyya isaanitti akka deebi'an ajaja baase. Dabalataniis baay'inaa qabeenya isa mana qulqulluma biyyatti deebi'ee ijaaruudhaaf kan dandeesuu gargaarsa horii godheera.

## VII. KUTAA OGBRRICHAA

- A. Saba irratti kan godhame:- 1:1-2:3 (tarii 2:16)
  1. Soriyaa (Damaasqoo), 1:3-5
  2. Filisxeem (Gaazaa) 1:6-8
  3. Foneeshiyaa (Gaaza), 1:9-10
  4. Edoom, 1:11-12

5. Amoon 1:13-15
  6. Mo'aab 2:1-3
- B. Saba Waaqayyo irratti komii adda 2:4, 6:14
1. Yihuuda 2:4-5
  2. Israa'eel 2:6, 14( Israa'eel irratti)
- C. Mul'ata murtii 7:1-9:10
1. Gurmuu Haawanisaa 7:1-3
  2. Abidda 7:4-6
  3. Sararaa jal'aa 7:7-17
  4. Ija gannaa 8:1-14
  5. Bakka qulqulluu gadi deebisu 9:1-10
- D. Abdin Masihichaa 9:11-15

Beektoonni tokko tokkoo akka gorsanitti kunni sababiwwaan qindeefama haala barreeffamaati malee seena duraa booda qindeefama qabate miti. Amos kan lalabee kan yeroo gabaabatti. Qabiyyeen isaa kan isaati, haa ta'uu malee qindoomi isaa raajii Amos galmeesse kan qabe barreessaa tokko ta'u danda'a.

## VIII. DHUGAA ISA BUU'UURA

- A. Fincilli dheekamsa Waaqayyoo Israa'eel irraa (in arge olaa Israa'eel ) seera Musee irra daddarbuu wajjiin wal fakkeessa. Nuyii itti gaafatamummaa wali wajjinii fi amanti dhuunfaa gidduttii kan jiru firooma beeku qabna. Nuyii Israa'el akka goote kan uummataa kan ta'e cubbuu sobaa ta'us garuu sammuu keenya keessa seera lamaa ta'utu jiraata.
1. Bilisa kan ta'ee kan dhuunfaa jireenya keenyaa fi amanti keenya
  2. Jireenya hawaasumma kan wali wajjiin.
- Amos akkuma labse, Israa'el firdii Waaqayyoo biyyoota ollaa ishee marsan (fi diina aadaa) irratti dhufutti gammaduu qabdi.
- Murtii murta'eetti gamaduu qabu. Sabni Israa'el kan Daawiit Yesusiin qaama bittaa kami akka turan seera Musee fi Waaqa Israa'el beeku qabu. Sabni Israa'el Amos murti Waaqayyoo dorgomaa ishee Yihuuda irratti fiduun akkasumas gammaduu qabu. Haa ta'uu malee Amos isaan gosa kaaba irratti gara cubbuu turetti yeroo isaa eegatee yeroo deebi'uu simanaan miiraan ta'e akkuma sanaan dhaabate.
- B. Kan Waaqayyoo biyyaa lafa hundumaa irratti mo'uu isaa Israa'eli ala kan ture sabni firdii kan kennuu Yaahiwwee kan birraa irraa ture. Kunni Israa'eliif kan Waaqayyoo tokkumaa hundee ragaatti. Ibsa dabalataa (*Encyclopedia Judaica* maxansaa lammaa fuula 889) uumamaa isaatiif uumamaa to'achuu isaatiin Yaahiwwee dha wajjiinin kan walitti dhufuu baay'een barreeffama fuula baay'eetu jiru. Zekaariyaas 4:13, 5:8-9, 8:8, 9:5-6) Kunnis Waaqayyoo jecha waaqeffannaa in uuma. Kitaabi kunUmaakka ibsa Waaqayyootti ilaala. (Jechuun raafama lafaatiif agugamuu aduu fi Kes 27-29 akka ibsutti).
- C. Amos 2:9-12 Waaqayyoo Israa'el irratti firdii inni godhe Taaki keessatti geggesummaa Waaqayyoo kan agarsiisu ta'e argamu qaba. Waaqayyoo Israa'eliin filaachuu fi haraara gochuu firdii Waaqayyoo tarkaanfi isa ulfaata yeroo jalqabudha. Baay'een kan itti kennamee baay'etuu irraa eegama (Ibsa Luk 12:48) kan nyaatu yaadachu qaba.
- D. Boqonnaa shani amanti fi jireenya kan wal qabatee kan gargar hin bane ta'uu isaani in ibsa. Amos soreessi hiyeessa irratti saamichi isaan godhan sabichaaf labsa.
- E. Israa'el dogogoran kan itti amanataa ture.
1. Amanti isheetiin 4:4-5, 5:21-23
  2. Sooroma dinagdee 6:1
  3. Humna waraana ishe 2:14-16, 6:16, 13
- F. Akkam yoo ta'e illee Israa'el amanti sobaa keessa yoo jiraate ta'uyyuu karoora Waaqayyoo keessa abdin jira kunnis kan Waaqayyoo Masihii dha. 9:8-15

# AMOS 1

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Seensa 1:1-2	Gara oliitti kan Barreeffamamu  1:1  Ragaa himataa Biyyoota ollootaa, Israa'eelii fi Yihudaa (1:2-2:16)	Firdii Waaqayyo Oolloota Israa'eel Irratti  (1:1-2:5)  1:1-2	Baafata  1:1  Seensa
Firdii Saboota Irratti	1:2		1:2
1:3-5			Firdii Waaqayyoo Israa'eelii fi Saboota Ollaa ishee irrtti (1:3-2:16)  Damaasqoo  1:3-5
1:6-8			Gaazaa fi Filisx'eem  1:6-8  Xiroosii fi Filisx'eem  1:9-10
1:9-10	1:3-5	Sooriyaa  1:3-5	Eedoom
1:11-12	1:6-8	Filisxi'eem  1:6-8	1:11-12  Amoon
1:13-14	1:9-10	Xiirroos  1:9-10	1:13-14
	1:11-12	Edoom  1:11-12	
	1:13-14	Amoon  1:13-14	

### DUBBISA MARSAA sadaffaa (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

Keeyyata duraa

\*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtoota cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfameqabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokkoqaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sanacalaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannoo qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Qulqulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojjiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoota (Appendices) tokko, lammaffaafisadaffaakeessatti ibsamaniiru.

1. Keeyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keeyyata sada
4. kkk

## SEERA GALUMSAA

- A. Boqonnoti jalqabaa fi kanlammaffaacubbuu saba Isra'el ifatti ibsu. (2:6-12) lakkoofsoni jalqaba lamaan yaada Macaaficha isa ijoodha. Kan saba Israa'el (jechuun gosa warra kaaba kurnaan) Yaahiweedha wajjiin kan qaban walitti dhuufeenyi adda hamoota isaan godheera. (Luk 12:48). Isaan saba kakuu waan turaniif hojii kakuu qabu turan.
- A. Amos lalaba isa kan inni jalqabu firdii diina saba Israa'el irratti faradamee irrattidha.
  1. Saboota naannoo sana jiran
    - a. Amantii kan hin qabne
    - b. Yihudoota wajjiin walitti dhuufenya kan qaban (Eedoom Eessa'uu dhaan, Mo'aab Looxi in)
  2. Firoota ishee, Yihudaa

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### Amos 1:1-2

<sup>1</sup> kun dubbii Amos, inni warra mandara Teqo'aa keessatti hoolota horsiisan keessaa tokko ture dubbatee dha; inni bara biyyi Yihudootaa iddoo lamatti hiramee, Uziyaan biyya Yiyudaatti, waa'ee Israa'elitti mootota turanitti, waa'ee Israa'eliif waan itti mul'ate dubbate; kun immoo raafamuu lafaa isa beekamaa sana dura waggaa lama ture\*. <sup>2</sup> Inni, "Waaqayyo tulluu Xiyoona irraa in qaqqawweessa'a, Yerusaleem keessaas sagalee isaa in dhageessisa; kaloon warra tiksituu in goga, gubbee tulluu Qarmelos irraas margi in coollaga" jedhee dubbate\*.

1.1 "Amos" kanaaf yeroo baay'ee hiikamaqaa ijaan hin argamnef seensa dubbissi.

■ "Tiksitoota" sagaleen kun Kakuu Moofaa keessatti yeroo tokko qofa tiksee hoolota jedhamee barreeffameera. Kan isaan gargaraman Mootii Masiha-Mo'aabitif. (2 Motoota 3:4) Hojiin Isa saawwan wajjin wal qabata (BDB 667, KB 720). kan inni agarsiisuu kan hoolota abbumma adaati (BDB 838, 7:15). Amos (1) Aadaa Yihudoota duuka kan bu'uuf horsisaa hoolota akka daldaalatti hojeecha ture. (Qayyabanna maacafa qulqulluu Yihudoota fuula 1177). (2) Dabalataniis namni kun tiksee hiyeessaa fi qotee bulaa horsisee bulu ture.



Dubbifama hundee jechaa Ibirootaa (mqd KB 719-720) hiika baay'ee qaba.

- 1) Rukkutuu yookaan loluu, huruu
- 2) Qulleessu, ifa kennu (Arabin “bilisaa baasu”, “oolchu”)
- 3) Hiyyeessa (homaa kan hin qabne) kan ta'e hoola
- 4) Horii (santima muraasa)
- 5) Taayita, taayitaolaana

Galumsi murteessaadha. Jechaaf hiika kan kennuu galumsa qofadha. Hiiki walitti dhufuu yookiin jechi kan barbaachisuu darbee darbeetti. Macaafa Amos keessatti Waaqayyoo utuu isa hin waamiin dura Amos hojii inni hojichaa turee kan ibsan jechootni baay'een jiru.

- 1) Ndq, 1:1
- 2) Bqr, 7:14
- 3) S'n, 7:15

■ **“Qeequhee”** (BDB 1075) hiikii jechicha godoo dhaabudha (Uma 31:25, Ermiiyaas 6:3) yookiin fiingee hafuufuu (Izra 7:14) jechuu dha. Teko'aan Magaala Yihuuda keessa kan jirtuu bosonaa dha. Karaa kibbaattin Beetelem fageenya maayli 5 irratti argama. Kanaaf baay'een geggeesitoota kan Waaqayyoo warri ta'an akkamitti horsisa horii jecha dhokkata akka dhufaan nama hin aja'ibsiisu!

■ **“Jechii inni arge kana”** kan jechicha hiikni ifaan “Kan arge” jechu dha. (BDB 302, KB 301). Jechicha dhaabatatti kan inni fayyaduu akka gammachisaati (akka gammachiisu) abjudha (Lak24:4, ,16, Isa 1:1-2 : 1, 13, Izra 12:27;13:16, Miikiyaas 1:1, Ibiroota1:1). Sagaleen kun raajicha fayyaduuf kan dhufan sagalee sadii keessaa isa tokkoodha. (Jechuun “kan agarsiisu” fakkeenyaaf Amos 7:12, 2 Samuu'eel 24:11, 2 Motoota 17:13 ,1 Sen 21:9, 2Sen 9:29, 12:15, 19:2, 29:25-29,33:19, Isa 29:10, 25, 30:10).

Shakkii malee lakk.1 kan inni ibsu “jechaa fi abjuu” lakk.1-6 fi 7-9 irratti kan ibsaman lamaan yaada gosa adda addaa kan ta'an in ibsu. Kun ta'uu in danda'aa garuu shakkii malee irraa kan fagaateedha.

■ **“Bara Ozi'aa mooti Yihudaa”** Ozi'a Dhaloota Kiriistoos fuula dura bara 783-748. Yihuuda irratti kan mo'ee mootii gaarii ture. (yeroo sirritti ibsa dubbisi) waa'ee mootii Yihuuda kan ibsamee hundumtuu Yerusaaletti macaafa raajichaa barnoota qulqulluu kallatti agarsiisa. Raajoonni yeroo hundumaa 9:22 Dhaloota Kiriistoos dura gosoota turan gargar ba'umaa ni mormu (macaafa motoota isa dura 12:16-20, 2Sen 2: 10).

■ **“Kan Yerobi'aam bara mooti Israa'el”** kun kurnan gosoota warra gara kaaba irratti Dhaloota Kiriistos dura bara 786-746 tti kan mo'e kan Yerobi'aam isa lammaa argisiisa (BDB 914) (Baroota adda addaa ta'an baay'ee yookan yeroowwan waan jiraniif ibsa ilaala). Inni baay'ee kan milka'eef mooti bu'a qabeessa ture. Yeroo kanatti Yihudaa fi Israa'el eebba danuu qabu tura sababi isaa Asoori kan aadaan diina isaani kaaba Soriyaa waraantee waan turteefiidha. Dabalataan Asoorii fi Gibxii yeroo kanatti bittaa isaani babal'isa hin ture.

■ **“Sochiin lafaa osoo hin dhufiin dura waggaa lamaa”** kun sochi lafaa cima ta'u qaba. Sababi isa Zak. 14:5 irratti waggaa tokkoo booda waan ibsameef. Tarii 8 fi 9:1 irrattis kan dubbatame ta'u danda'a. Yoosefis (Antiq 9.225) akka jiru kunnis Ozi'aan aarsa dhiyeesu isaa cubbuu wajjin wal qabata (Macaafa seena isa 2 26:16-21). Kunni (1) Amosi bara raajummaa isaa siritti ibsamuudhaaf kan yaalamu dubbi seena (ibsa) (Amos 1:1 macaafa Kakuu Moofaa kamiin iyyuu keessatti yeroo isicha guddaa yaalii ibsuu) yookaan (Ergaa firdii Amos yaada isaa guddaa karaa kakaasudha.)

1:2 kunni macaafa Amos kan inni jalqabuu kutaa walaloo isa jalqabaati, guduunfa macaafichaatis.

### **Mata duree adda :- Seer-lugaa walaloo Ibiroota**

#### **I. SEENSA**

- A. Kan akkasi seer-lugaa barreeffamaa kan Kakuu Moofaa tokkoosadaffaaqabata. Keessumati raajoota keessatti kan baratameef Kan Ibiroota madaali kutaa barreeffamaati.(Ageedhaa fi Miikiyaasin ala hundumtuu walaloo qabu).
- B. Afaan Ingili seer-lugaa walaloo addaati. Afaan Ingili seer-lugaa walaloo kan dhufee Girikii dhaa fi Laatini seer-lugaa walaloo kan dhufee sagalee agarsiisa. Afaan Ingili Seer-lugaa walaloo Kana'anoota

wajjin walitti dhiyaata. Jalqabumaatti yaada irratti hunda'ee madaalii isaa kan eegefi cinaan tarree kan deemuudha.

- C. Kaaba Israa'elitti Ugaaritti (Raas Shaamiraa) kan godhamee haftee qaama qayyabanna ogeeyyoollii Kakuu Moofaa seer-lugaa walaloo hubannoo akka argatan isaan gargaarera.

## II. AMALA SEER LUGA WALALOO WALII GALAA

- A. Baay'ee kan eegateedha (cimsee kan jiruudha)  
B. Dhugaan, miiraa fi barsiifata qooqa fakkeenyaatiin ibsuuf yaala .  
C. Dursuudhaan barreeffamaan kan dhiyaatu malee afaaniin kan dhiyaatu miti. Baay'ee kan qindaa'edha. Qinda'ummi kun kan inni ibsamee:-  
1. Tarree madaali isaa eegate  
2. Tapha jechaan  
3. Tapha qooqaan

## III. QINDAA'INA (R. K. Harrison, *Introduction to the Old Testament*, fuula. 965-975)

- A. Kan Macaafa Qulqulluu amala seer-lugaa walaaloo madaali isaa akka eegetti tarre godhe *Lectures on the Sacred Poetry of the Hebrews* (1753), kan jedhamee macaaficha keessatti yeroo jalqabaatiif kan ibsaame Phaaphaas Robert Lowizi dha. Baay'een isaanii kan ammayya seer-luga walaloo tarreewwan walaloo argisiisuudhaaf kan sirratanidha.

1. Wal fakkaataa tarreewwaan yaada tokkoo jecha adda addaatiin ibsu
    - a. Far 3:1,49:1, 83:14, 103:13
    - b. Macaafa fakkeenya 19:5, 20:1
    - c. Isaayas 1:3, 10
    - d. Amos 5:24,8:10
  2. Faalleessuudhaan tarreewwaanichi yaada wal faalleessu karaa faallaadhaan ibsa.
    - a. Far 1:6, 90:6
    - b. Fakkeenya 1:29, 10:1, 12, 15:1, 19:4
  3. Nam-tolchee kan itti fufaani jiran tarreewwaan lamaa fi sadii yaada isaa in hubatu Far 1:1-2, 19:7-9, 29:1-2
  4. Kiyaaizimiki- ergaa gadi gara olittii fi oli gara gaditti duraa duuba kan ibsu yaada seer-luga walalootti. Xuqaa guddaan kan argamuu akkina yaada gidduudha.
- B. Charles A. Bribgs *General Introduction to the Study of Holy Scripture* (1899),kan jedhamee macaaficha keessatti kan itti fufuu kan Israa'el seer-luga walaloo tarreeffama sadarkaa baaseera.
1. Mallattoowwaan:- Gaalee ifaa tokkoo fi isaa lamaa jechaa dhokaata kan ta'ee Far 42:1, 103:3.
  2. Sadarkaa haala qilleensa kan fakkaatu:- Dhugaa jal'aa gara irratti duraa duuban haala ta'en kan ibsu Far 19:7-14, 29:1-2, 103:20-22
  3. Kan gaalewwaani (yeroo baay'ee yoo xinnaate afur) ijaarsa keessa tarree irraa 1-4 fi 2-3 kan wal qaban. Far 8-10
- C. G.B.Gray, *The Forms of Hebrew Poetry* (1915), kiitaba jedhamuu keessatti madaali isaani kan eegan yaada gaalewwani babal'isaniiru.
1. Raawwatee madaalli-bakka kamitiyyuu tarreen jalqabaa keessatti jechi jiru yeroo dabalammuu yookaan tarreelammaffaakeessatti jecha jiruu wajjiin yeroo wal madaalu. Far 83:17 fi Isa 1:3
  2. Kan in guutamne madaalli gaalee dheerina wal fakkaatu utuu qabaatin yeroo hafu. Faarsa Daawiit 59:16,75:6
- D. Yeroo ammaa Kiyaaizimiik kan jedhamuu seer-luga walaloo Ibiroota haala qinda'uma hubannoo guddaachaa dhuufeera. Kiyaaizimiik yeroo baay'ee kan inni cinaan argisisee tarreen (toroowwanidha) isaan tarreewwaan (a,b,b,a; a,b,c,b,a) uumamuuni yeroo baay'ee tarree isa gidduu galleessa irratti xiyaafata.
- E. Seer-luga walaloo warra bahaa utuu hin ta'in walumaa galatti seer-luga walaloo keessatti kan jiran gosoota wal fakkina qooqa
1. Tapha qubee irratti (Akrostic) Far 9:34, 37, 119, Fakkeenya 31:10, Faaruu Er 1-4 .
  2. Tapha dubbachiiftu irratti (Alteration) Far 6:8,27,7, 122:6, Isa 1:18-26
  3. Tapha dubbifamaa irratti (Asonance) Uma 16:7, Bau 14:14, Hiz 27:27.

4. Qooqaa walfakkaatan irra deddeebi qabaniifi hiika adda addaa qaban irratti tapha godhamu.
  5. Yeroo dubbifaman sagallee kan fakkaatan kan uuman tapha jecha
  6. Jalqaba adda ta'ee fi xumura (inclusive)
- F. Kakuu Moofaa keessatti gosoota seer-luga walaloo baayeetu jiru. Muraasi isaani mata duree walaloo wajjiin yeroo wal qabatan murasii isaani immoo boca walalichaa wajjin wal qabatu.
1. Kaayyoo Fara- Lak 21:17-18
  2. Fara hojii (Aboota firdii 9:27 irratti kan dubatame garu kan in barreeffamne Isa 16:10, Irmiyaas 25:30, 48:33
  3. Walaloo jajanna Lak21:27-30, Isa 23:17,
  4. Fara dhugaati- miidhaa Isa 5:11-13, Mos 6:4-7 fi fayyadaa Isaayas 22:13
  5. Fara jaalalaa –kan farfanawwaan Far, Hiphoo ga'ila-Abboota firdii 14:10-18,Fara cidhaa-Fara Daawit 45
  6. Fara gaddaa- (2Sam 1:17 fi 2Sen 25 irratti kan dubbatame garu kan hin barreeffamne), 2Sam 3:33, Far 27:28, Er 9:14-22,Hiz 19:1-14, 26:17-18, Namiyaa 3:15-19
  7. Fara waraanaa-Faarsa Daawit4:23-24, Bau 15:1-18,20 ,Lak10:35-36,21:14-15, Isa 10:13, Abbota firdii 5:1-31,11:34, Samuu'eel isaa duraa :18, Isa 47:1-15,37:21
  8. Eebba addaa yookaan eebba geggeesitootaa- Uma49,Lak6:24-26, Seera Kes 32, 2Sam 23:1-7
  9. Barreeffamoota xinqolaa – Bala'aam Lak24:19
  10. Walaloo qulqulluu-Fara Daawit
  11. 11 Acrostic walalowwaan – Faarsa Daawit 9:34,37,119,Fakkeenya 31:10, Faaru Irmiyaas 1-4
  12. Argiman-Seera lakkoofs 21:22-24
  13. Walaloo Silaaq- Isa 14:1-22,47:1-15,Hiz 28:1-28
  14. Walaloo kitaaba kan waraana- Lak21:14-15, Isa 10:12-13, 2Sam 1:18

#### IV. HIIKUUF QAJEELFAMA SEER LUGA WALALOO IBROTAA

- A. Irra deddeebiin walalichaa toora irratti kan inni qabu tokkoof dhugummaa yaada ilaalu (kunni keeyata keessatti barreeffama jiru fakkaata)
- B. Qooqi fakkeenyawwan adda baasuudhaaf barreeffama seera isa in eegne keessatti ibsu. Barreeffamni akkana kan walitti maxxanedha. Kanaafiis hojii baay'een isa dubbisuu irraa eegama.
- C. Waa'ee dhimma dheera walaloon ibsamee kallattidhaan kan galanni wajjiin wal qabsiisuu (yeroo baa'ee Kiitaabichi guutuuf haala seena isaa wal qabsiisu)
- D. Abboota firdii 4 fi 5 walaloon akkamitti akka seena ibsu ilaaludhaaf in gargaara. Abboota firdii 4 barreeffama seera isaa in eegne yemmuu ta'u Abbooti firdii 5 immoo walaloo dha. (Bau 14 fi 15 wajjiin wal bira qabi)
- E. Cinaan (wal fakkaata,faallaa yookaan nam-tolchee ta'uun isaani) adda baasu yaalu kun baay'ee kan fayyaduudha.

■ **“Waaqayyoosi in aadee”** in aadee jechii jedhuu (BDB 980,KB 1367) akka bakakaa kan jiru sagalee Waaqayyoo ibsuuf kan fayyaadameedha. Iyo 27:3-5, Hirmiyaas 25:30. Kun waa'ee cubbuu isaanitii fi waa'ee Waaqayyoo shakkalaan beekumsa qaban irraa kan ka'e Israa'el irratti murtii dhufee ibsa. (Zak 3:8). Asitti kan isaan ibsan uummatti hundumtuu kan Daawiiti fi kan solomoon sanyii waan ta'aniif waa'ee Waaqayyoo beekumsa xinnii qabu. Kun Iyu'eel 3:16 wajjiin walfakkaata. Aaduun kan leenca haala du'aajechuun yeroo murtoo ibsa. Iyu'eel (3:16,Hose'a 11:10) irratti akka ibsametti Fayinna ibsu danda'a. Galumsa kanaan garuu kan Waaqayyoo murtii ibsa. Tiksiichii Daawit akka dheekama lolaa ta'a dhufe.(Faarsa Daawit 23).Waa'ee Yaahiwwee kana gaditti kan ibsamee MATA DUREE ADDAA ilaali.

### MATA DUREE ADDAA: MAQOOTA WAAQAYYOOF

#### A. *El*

- i. Walii gala jechoota durii hafuuraaf inni jalqabaa hiikaa ta`un dhugummaahinqabu, Yoollee haayyuwwan hedduun akka amananiitti, As dhufa hidda Akkaadiyaaniirraa jechootaa, cimaa ta'uun yookiin “aangowaa ta'un” kan argameedha yoo jedhaniyuu (Uumama 17:1, Lak 23:19, 50:1) Faarsaa

- ii. Kanaa`nonni seera Afaanii isa hangafaa waaqa *El* (Ras Shamra texts)
- iii. Macaafa Qulqulluu keessatti, Iili jechoota kan biroon waliin hin makamu. Isaan walmakoonni kunamala Waaqayoo karaa ittiin ibsan ta`aniiru.
  - a. *l-Elyon* (Waaqa isa guddaafi jiraataa),Uma14:18-22, Kes 32:8, Isa14:14
  - b. *El-Roi* (“Waaqa is na argu” yookiin “ofiisaa kan muullisu Waaqadha”).Uma16:23
  - c. *El-Shaddai* (“Hundumaa isa danda`u” yookiin Waaqa isaa “gonkuma garaa laafuu” yookiin “Waaqa gaarii”dha).Uma17:1, 35:11, 43:14, 49:25, Seera ba`uu 6:3
  - d. *El-Olam* (Waaqa bareedaa),Uma21:33, Jechuun heera hafuuraatiinkan wal qabatu Waaqa Daawitiif abdiif kenne wjjin, 2ffaa Saamu`eel 7:13,16.
  - e. *El-Berit* (“Waaqa kakuu”), Mootota 9:46
- iv. *El* kan walqabatu
  - a. YHWH Faarsaa 85:8, Isaayas 42:5
  - b. *Elohim*Uma43:3, Iyyob 5:8, “An Eliidha”, kan Abboota keessani Eloohiim.
  - c. *Shaddai* Uumama49:25,
  - d. “Hinaafaa” Seera ba`u 34:14 Kes 4:24, 5:9, 6:15,
  - e. “Kan dhiifamaa” Kes4:31, Nahiimiyaa 9:31 “Amanamaa” Kes 7:9, 32:4
  - f. “Isa guddaa sodaachisaa” Kes 7:21, 10:17, Nahiimiya 1:5 9:32, Daani`el 9:4
  - g. “Beekaa” Iffaa Saamu`el 2:3
  - h. “Isa jabaa Iddo Itti baqataa koo” 2ffaa saamu`el 22:33
  - i. “Ijaa kan naaf baasuu” Saamu`el 22:48
  - j. “Isa Qulqulluu” Isa 5:16
  - k. “Isa Jabaa” Isa 10:21
  - l. “Fayyisaa koo” Isa 12:2
  - m. “Isa hangafaa Cimaa” Er 32:18
  - n. “Abbaa Murtii” Er 51:18
- v. Isa olaanaa OT (Biikii( hundumtuu maqaa Waaqayyo isa walmakaa, Iyyaasuu 22:22 kan jiran (*El, Elohim YHWH*, Kan irra deebi`ame

#### A. *Elyon*

1. Hiikoon isaa inni bu`uuraa “Waaq isajiraataa hunduma gararraa jiru” jiraatu “isa olaanaa” (Uma 40:17; mootota Isa duraa 9:8 Mootota isa Lammaffaa 18:17; Nahiimiyaa 3:25; Ermiyas 20:2; 36:10; Faarsaa 18:13),
2. Maqaa biroon hedduu wajjin galma walfakkaatu maqaan Waaqayyo bu`arraa ooleera.
  - a. *Elohim* -Faarsaa 47:1-2; 73:11; 107:11
  - b. *YHWH* Uma14:22; Iffaa Saamu`el 22 14
  - c. *El-Shaddai* -Faarsaa 91:19
  - d. *El* -seera lakkofsaa 24:16
  - e. *Elah* yeroo hedduu bu`arra kan oole Dani`el 2-6; fi Iziraa 4-7; *illair* waliin kan walsime (Afaan warra Araamootti “Abbaa” Da`ni`el 3:26; 4:2; 5:18;11.
3. Innis yeroo hundumaa kannen Israa`el hintaane bu`arra oolee.
  - a. Melketaadeq, Uma14:18-22;
  - b. Addunyaa dhaan Lak 24:16;
  - c. Musee Kes Moses, 32:8 Waa`e uumamaa kan dubbate
  - d. Wangeelli Luk Kakuu Haaraa keessatti, Oromootaaf kan barreeffame, kan Geikii jechaa waliqixxaataa *Hupsistos* fayyadama, 1:32; 34; 76; 6:35; 8:28 Ergamoota 7:48; 16:17)

#### B. *Elohim* (heddu), *Eloah* (Baaqqee), Dursee weedduu bu`arra ooledha.

1. Jechi ken Kakuu Moofaadhaan ala hin argamu,
2. Jechi ken kan agarsiisu waaqni Israa`el yookiin yookin waqota Uummataati (Seera ba`u 12:12; 20:3), Kan Abrahaam maatiin gaa`ela dacha kanneen raawwataniidha turan (Iyyaasuu 24:2).
3. Elohiim kan jedhu jechi kanneen biro hafuuraa Hilaawweewwan bu`arra kan oole (Ergamoonni,Hafuura hamaa) akka Kes 32:8 ((LXX), Faarsaa 8:5 Iyyob 1:6; 38:7; Innis namootatti kanneen murteessaan caqasa (seera bahu21:6; Faarsaa 82:6)

4. Macaafa Qulqulluu innijalqabaa maqaa muudamaa maqaa hafuuraattidha. (Uumamaa 1:1). Innis hangUma2:4tti walitti qabaatti hindhiyaatu, Achiis Yaahuwwee waliin walmakaa. Innis bu`uurasaarraa (heera hafuuraa) Waaqayyof kan agarsiisu akka Uumaatti, Akka deggeraatii fi kannaatti. Addunyaa kanarra jireenyatti hamma jirutti. (Faarsaa 104). Innis walfakkaataadha. Eli waliin (seera bahuu 32:15-19). (*elohim*)), Sirrii Faarsaa 53n walfakkaatu (Yaahiwwwee), Maqaan isaa hafuuraa jijjiiramu malee,
5. Yoollee kan lakkofsaa bayyee ta`es kan birootaaf waaqolii bu`arra ooluyyu, jechi kun yeroo heddu kan ibsamu Waaqa Israa`eliidhaaf; Garuu yeroo hedduu maqibsa baaqqee qabaata , Itti fayyadama baramee agersiisuuf.
6. Jechi kun kan argamu Israa`elota kanneen hintaane Afaan Isaaniirratti, Akka hafuuraatti.
  - a. Melka tsaadeq, Uma14:18-22
  - b. Bala`aam Lak 24:2
  - c. Musee, Waa`e sabaa yeroo dubbatu Kes 32:8
7. Waanti hinbaramin kan ta`u maqaa waliigalaa tokkicha Waaqa Israa`eliif, Lakkofsa baayyee ta`uusaati, Yoollee dhugumaan jiraachuu baateyyu, Yaanni barnootichaa (፲፱፻፳፱ isakana.
  - a. Ibraayisxii hedduun lakkofsota qabu, Yeroo hedduu kana cimsaaf ta`u kanaa wajjin asdlyootti kan firoomu kan Ibraayisxootaa seerlugaawwan uumamaa kan waamamu, “Semboon lakkoofsa hedduun” yoo ta`u, Lakkofsonni hedduun kun ammoo bu`arra kan oole yaada bu`uura saa guddisuudhaaf.
  - b. Kun tarii kan Ibsamu walgayii Ergamootaati, Innis Waaqayyo samiirratti akka walitti qabee fi ajajasaa akka kennedha. (1ffa Mootota 2:19-23; Iyyoob 1:6; Faarsaa 82:1; 89:5, 7).
  - c. Kunis kan agarsiisu danda`u mullata Akiin. Waaqayyo tokko qaama sadiiyin. Uma1:1 Waaqayyo uume; Uumama1:2 hafuurri isa balali`ee kanaafis Akkiin Iyyesuus Waaqayyo abbaa akka bakka bu`aadha. Uumamarratti (Yaahiwwweenis 1:3; 10; 1:2; 2:10),

### C. YHWH

1. Maqaan Kun kan calaqqisiisu ayyaana Hafuura Waaqayyootiin yoo ta`u kakuun kan danda`u kakuu Waaqarratti; Waaqayyo akka fayisaatti, Akka Oolchaatti, Namoonni garu kakuu sana diigani, Waaqayyo garuu amanamaadha, sagaleesaaf, Abdiisaatiif kakuusaatiif (Faarsaa 103). Kunis kan agarsiisu maqaa jalqabaa kan caqasameef Elhiim waliin kan walmakneedha, Uma2:4; Uumamni 1-2 tarreffamni uumamaa lamaanu hinjiran. Garuu lamaanuu cimsitoota (1) Waaqayyo akka yuunivarsi (samii) (Foonawaa) uumamaaf (2) Waaqayyo adda isa ta`e nama Uumaera. Uma2:4 kan jalqabu mullata addaatiin, Hojii aango qabeessa waan qabuuf namni kan inni agarsiisu, Akkasumas kan cubbuuf kan loogummaa rakkoo adda kan ta`e waliin walqabachuu isaa
2. Uumama 4:26 kan jedhu “Namoonnis maqaa Waaqayyootiin waamamuu jalqaban” jedha. (Yaahiwwichi). Ta`es seera ba`uu 6:3 kan agarsiisu kanaan dura saba kakuu (Abbootii amantii samii) Waaqayyon kan Isan beekan El-shaadaawummaa isaa qofaani, Yaahiwwwee maqaan jedhu seerabaha`u 3:13-16, Keessumaa lakkoofsa 14 al-tokkoo qofaa caqfame. Ta`us kan Musee barreeffa mni yeroo hedduu jechoota kan hiikan galma jechoota beekamootiin malee jechoota asdhufaatiin miti (Uumama 17:5; 27:36; 29:13-35). Maqaan kun hiikoo isaa ilaalchisee yaada barnootaa hedduu qaba. (Aayidaabii Irraa kan fudhatame guca 2, Fuula 409-11).
  - a. Asdhufa jechoota Arabaati, “Jaalala guutuu agarsiisu”
  - b. Kan Arabootaa as dhufa hidda jechootaa “afuufuu” (Yaahiwwwee akka guuboo galaanaa kan ta`e Waaqadha).
  - c. Yuugaartiikirraa (kana`aanicha) asdhufa “bantiirraa taa`uu qabuu”
  - d. Kan warra Foonqewotaa barreeffama duukaa bu`ee, ka`umsa lamaan keewwata yoo ta`u hiikoon Isa “Inni tokko isa kaan kandeggeru yookaan kanjabeessu” jechuudha.
  - e. Kan Ibraayisxii sagaleen “tokko ture” yookiin tokko kan jedhe (yeroo Raajummaa ammo inni tokko gara biraatti kan jiraatu
  - f. Kan Ibraayisxii *Hiphil* “Gara jireenyaatti kan fidu”
  - g. Kan Ibraayisxii asdhufa jechaa “(Jireenya Fakkii Uma3:20hiikoon Isa barabaraan kan jiraatu, “Qoba-galeessa”
  - h. Seera Kes naannawaa barreeffamaa 3:13-16; kan hin xumurannebooca galmee bu`uurra oole yookiis

ta'een yeroo ture itti fufees nan ta'a"yookiis dura bakkan tureen antaa'a. "(J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Old Testament*, fuula 67) Guutummaa yaahiwweeh maqaa yeroo hundaa kan ibsuu maqaa masootiin yookaan maqaa isaduraa boocaan,

- 1) *Yah* (Fakkeenya Haallee luyaah)
  - 2) *Yahu* (Maqaa fakkeenya Isa)
  - 3) *Yo* (Maqoota fakki)
3. Isa booddanaa Yihudummaa maqaa kakuu baayyee Mana Qulqullummaa kanta'e (TeertraaGraamaattoon) Yihudoonni haasa'u nisodaatu turan, Kes 5:11; 6:13. Abboommiin jiru akka hin cabsineef sodaachaa, Kana waan ta'eef Ibraayisxiin jechicha geeddaranii "Abbaa warraa", "Abbaa manaa" "Dhirsa" "Gooftaa" *adon* yokiin *adonai* (Gooftaao), Gara yaahiwwee yeroo dhufan barreffamni Biikii (OT( dubbisa isaa keessatt "Gooftaakoo" jedhanii dubbisu. Sababii kanaaf Yaahiwweeh Ingiliffaan hiikoo gooftaa jedhu qaba.
  4. Akkuma *El*,- YHWH kan biroon jechoota waliin walmaka. Kan Israa'el Waaqa kakuu amala tokko tokko cimisa kan laatuudha.
    - a. *YHWH- Yireh* (Yaahiwweehi ni kenna)Uma22:14
    - b. *YHWH- Yireh* Kihaa (Yaahiwweeh Fayisaadha) Bahuu 15:26
    - c. *YHWH- Nissi* (Yaahiwweeh- surraa qabeessakoo) Bahu 17:25
    - d. *YHWH- Meqaddishkem* (Yaahiwweehi kan siqululleessu) Bahu 3:13
    - e. *YHWH- Shalom* (Yaahiwweehi- nagaadha) Macaafa Abboota firdii 6:24
    - f. *YHWH- Sabbaoth* (Yaahiwweehi -abbaa macaati) 1ffa Saamu'eel 1:3;11:44; 15:2; yeroo hedduu raajotaan)
    - g. *YHWH- Ro'I* (Yaahiwweehi- Tkiseekoo);Faarsaa 23:35
    - h. *YHWH- Sidqenu* (Yaahiwweehi- Eebbakeenyadha) Ermiyas 23:6
    - i. *YHWH- Shammah* (Yaahiwweenich jira) Hisqi'eel 48:35 sdfdf

■ **"Stiyoon...Yerusaaleem"** isaan jechooti lamaan hiika wal fakkaataa kan qabanii fi walitti dhufeenya wali wajjiin deemu qabu. (Walaloon Hibirootan 1:2 irratti kan jiru mata duree adda ilaali). Yihudoota Waaqayyoo Yerusaaleem keessatti kan jiru gaara Mooriya irratti akka qulqulloota qulqulluu qoochoo Kiruubeelitti gidduu kakuu taboota irratti akka jiru in ilaaluu turan (Bau 25:32). Yerusaaleem kan hojeetamte gaarota torba irratti

1. Gaaraa Stihoon daannoo Yibuusoota kan argamtuu fi baroota Daawittitti gaara in booji'amne ture (Iyaasuu 15:68, 2 Samu'eel 5:6-10).
2. Gaaraa Mooriyaa mana qulqullummaa gaaraa irratti ijaarame ture ( Uma22:2 Seenaa isa dura 21:1-22 Seenaa isaa 2:3:1). Kan lamaanuu kan Stihoonii fi (BDB 851) kan Yerusaaleem (BDB436) maqaan inni jalqabaa hiiki isaa shakkisisaadha.

■ **"Bobaasonni tiksitootas in bo'uu qarreen Qarmeeliyosiis in goga"** Waaqayyoo sanyii nama irratti murtoo inni fideeeUmamiidhe. (Uma3, Kes 37-28 Rom e 8:18-25 kan chaapichaatii fi kan saani golboo mu'lata). WaaqayyooUmaksiyaafannoo namoota akka harkisan godhe itti gargarama (Faarsa Daawit 19:1-6).

■ **"Qermeloos"**- Qermloos kaaba Israa'el gara Mediteriyaani kan deemu gaara wal qabataadha. Hiiki maqaa isaati "iddoo dhaaba waynii Waaqayyoo" jechudha. (BDB 501). Akka fakkeenya biqilaa lalisaati ibsama.

### Amos 1:3-5

<sup>3</sup>Amos itti fufee, "Waaqayyoo akka jedhu!

'Warri mandara Damaasqoo ulee ulee sibiilaa isa ittiin midhaan

cagadaniin warra biyya Giil'aad waan cagadaniif,

ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi'aniif adabbni akka irraa deebi'u hin godhu!

<sup>4</sup>"Kanaaf ani mana Hazaa'eel mootichaa irratti ibidda nan erga;

inni immoo mana jajjabaa isa kan Ben-Hadaad mootichaa sana in fixa\*.

<sup>5</sup>Danqaroota karra Damaasqoo nan caccabsa;

warra dacha Aween keessa jiraatan, isa ulee mootummaa baatus Bet-Edeenii nan buqqisa;

warri Sooriyaas booji'amanii biyya Qiir in dhaqu' jedha Waaqayyoo " jedhe\*.

**1:3-2:3** Kun kaayyoo og-Waaqummaa kan fayyaduu dha.

1. Waaqayyo (Yaahiwwee) Waaqa biyya lafa hundumaati.
2. Cubbuu kan hojjetan hundumtu dheekamsi Waaqayyo isan argata.
3. Sabni isaa cubbuu hojecha jiru, sababni isaa isaan saba kakuu turan ( Luk 12:48)

Boqonnaan kun gammachuun kan dubbifame yookaan kan dhaga'ame ta'utu irra ture akkuma gammachuu Israa'eel isaan irratti fi ollaa isaani irratti murtiin akka dhufe gochu. (2:4-5). Haa ta'u malee haala akka tasaaf nama aja'ibsisuun Amos gara cubbuu warra Israa'elootaati in deebi'a (2:6, 6-14). Sooromni isaani humna waraanaa fi lafa babalifachuun mallattoo eebba kakuu Waaqayyo miti (Bau 27-29). Kakuu Musee kan kan cimsu Amos fiixaan ba'umsa kan barbaaadu ture. Guyyooti Waaqayyo guyyoota eebba qofa ta'u dhiisudanda'u haa ta'uu malee garuu cubbuu (5:18-20).

**1:3 “Waaqayyo akkas jedha”** Jechii raaji kun ergaan isaa kan raajicha yaada mata saati ta'u dhiisuun isaa Sagalee Waaqayyo qofa ta'u karaa ittin ibsamuudha. Sagalee ammamituu kan nama raajicha dubbateeti kan jedhu shakkisiisaadha. Karaan yaada ittin burqisisee shakkisiisaa fi adduma qabaachu yoo danda'ees dhugaa barbaachisan garuu erga Waaqayyo ta'u isaati. Ergan kun akkam yoo ta'ellee qooqa adda addaatiin, seenaa fi aadaa yoo ibsees aadaa hundumaa fi yeroo wajjiin walitti dhuufenya qaba. Akka hiika Macaafa Qulqulluutti boqonnaan hundumtu hiika tokko-innis dubbate kan barreesse jechuu kan barbaabe, haa ta'u male garuu hojii irraa oolun isa baay'inaan kan dubbise yookaan kan dhaga'ee haala abbaa seenaa fi aadaa wajjiin wal qabata. Haa ta'uu malee hojii irra oolun isaa kallaatidhaan raawwi irraa fi yaada yookaan ergaa barreessichaa jalqaba wajjin wal qabachu qaba. Galumsa kanaan sagalichii namoota irratti kan qaqqabaduu firdii Waaqayyooti (Er 47:2, 48:1, Izra 25:25:3, 30:2, Amos1:3, 2:1).

■ **“Kan warra Damasqoo daddabarsitoota fi kan afurani...”** kun Amosiin ( 1:3, 6, 9,11,13,2:1, 4, 6) keessatti kan ibsame gaalee sadarkaa isaa eegateedha. Kara biraatiin kan bahaa seera barreeffama keessattis in argama. Kana jechuun sabni kun deddeebi'ani cubbuu hojetaan jechuudha.

“African” jechii jedhu yeroo baayee warri baha durii itti fayyadamu.

1. Sadarkaa ji'oota afuran
2. Qoqodama waggaa afuran (NIDOTTE, Lakk.1 fuula 495)

Kakuu Moofaaadhaan kan bakka buufamu:-

1. Kallatti Kompaasii (Jchuun nama gara bahatti naanna'ee)
2. Kallatti qilleensa (Fakkeenyaaf:- Daani'eel 7:2,8:8)
3. Golee lafaa (Fakkeenyaaf:- Isa 11:12)

Dhoksaan hiika dubbichaa guutummaa qabu yookaan raawwate guutuu kan ta'e yaada qabu keessaatti argamu. Dabalataniis lakk.sadii fi afur torba yeroo ta'an kan Kakuu Moofaaa guttuummaasa ilaaluudhaan kan saba sana cubbuun guutumuu in ibsa.

“Irre daddarbaa” (BDB 833) jechi jedhuu cubbuu yookaan hameenya ibsuuf kan fayyadu jechoota Hibiroota baay'ee keessaa isa tokkoodha. Amos keessaatti sagaleen kun cubbuu uummatoota in ibsa. (. NIDOTTE keeyata 3 fuula 708) sabni kun holaa isaanitii fi firoota isaani jibuudhaan hammaatan. Hojiin isaani Waaqayyon akka isaan in beekne agarsiisa. Sabni kun bittaa mootummaa Daawit gidduu waan turaniif Waaqayyoon beekuuf isaan dandeesiseera.

Raajootni firdii Waaqayyo namoota irratti in dubbatu ( Isa 13-23, Er 46-51, Izra 25-32). Sabni Soriyaa damaasqoo irraa (magaala guddoo) wajjin aramawotaa jedhan in beekamu. Magalaa guddichii akka walii galaatti saba hundumaaf in dhaabata.

■

**NASB, NRSV**  
**NKJV**  
**TEV**  
**NJB**

**“Isaan adabuu in dhiisu”**  
**“Dheekamsa isaan irra in deebisuu”**  
**“Dhuguummaan isaan adaba”**  
**“Labsii koo dabarseera, isaan in maaru”**

“Kan hin baratamne” kan jedhuu jechima diigumsa (BDB 996, KB 1427) Raajota keessatti qalbii jijjirachuu ibsuuf hin fayyaduu. Iddoo kanatti Waaqayyoon mul'isa. Waaqayyon ibsuuf kan nuugargaruu jechii adda ilma

namaa wajjiin wal qabata. Waaqayyoo hafuura barabaraati. Isa ibsuuf jechaa namummaa (anthropomorphisms) in fayyadamna haa ta'uu garuu isa ibsuuf dandeetti keenyaan oliidha.

### **MATA DUREE ADDAA:- QALBII JIJJIIRACHUU KAKUU MOOFFAA KEESSATTI**

Yaadni kun ammamille barbaachisaa ta'us akkas jedhani murteessuuf garuu baay'ee nama rakkisa. Baay'een keenya hiikni nu'ii qabnu kan itti guddanne dhaabata amanta wajjiin wal qabsiifna. Ta'uus garuu "kan ka'aame" barumsaa Macaafa Qulqulluu kakuu haara keessa kan jiran Hibiroota (Girikii) baay'ee jechii "kan inni ka'aame" hiika irratti kara hin hundoofneen dhiibbaa irratti hojeetera. Jechootni Hibiroota kan beekaman lamaadha.

1. *nhm* (BDB 636, KB 688)
2. *swb* (BDB 996,KB 1427)

Kan jalqabaa *nhm*, burqaa isa irra yoo ilaalu bifa adda addaatiin kan ibsamuu gdi fageessani hafuura baafachu hiika jedhu kan kennu fakkaata.

1. "Boqonnaa" yookaan "itti tolee" (fakkeenyaaf Uma5:29, 24:42, 37:35, 38:12, 50:12, irra deddeebi'uudhaan maqoota irratti in ibsama. (Motoota isaa 2 15:14, Sen isa 1 4:19, Nahimiya 1:1,7:7, Naahom 1:1)
2. "Gaabu" (fakkeenyaaf Uma6:6,7)
3. "Yaada jijjiraachuu" (Fakkeenyaaf Bau 13:17,32:12, 14, Lak 23:19)
4. "Garaa laafummaa" (fakkeenyaaf Kes 32:36)

Olii hubachuuf akka yaalame miira guddaa agarsiisu! Xuqaa guddaan isa kana, gara hojitti kan jijjiiruu feedhii guddaa. Jijjiramni hojiini kun irra deddeebiin yeroo baay'ee gara namoota kan biraa kan agarsisuu ta'us gara Waaqayyooitti in agarsiisa. Kun gara Waaqayyotti kan inni godhameef ilaalchaa fi namuusa haarreesu dhaaf jechii isaa barrumsa Macaafa Qulqulluu bu'a qabu akka qabaatuugodhe. Asi irratti garuu of eeganna cimaa godhuu qaba. Waaqayyoo "in gaddee" jedhama (Uma 6:6, 7, Bau 32:14, Abboota firdii 2:18, 1Sam 15:11,35,Far 106:45), ta'us garuu kun gaabuu irraa yookaan cubbuu irraa kan dhufee miti. Caalaadhumati Waaqayyoo kun haraara guddaaf gara laafummaa fi eegumsa kan agarsiisudha Lak23:19, 1Sam 15:29, Fara 110:4, Er 4:27-28, Hixzira 24:14). Cubbamaan laphee isaa irraa yoo gaabe fi hojii isaa irraa of qulleesse gara Waaqayyotti yoo deebi'e adbi hameenya a isaa fi cuubbuu isaa in hafa.

Jechii kun bal'aa kan ta'ee hiikaa qooqaa karaa baay'ee qabu qaba. Dubbifamni tokkoo qabiyyee kan kayyeeffameef hiikni sirrin hubachuuf qooda guddaa qaba. Jechii lammaan *swb*, "deebi'uu" (wanta ta'e irraa deebi'u, naanna'uu, gara waan ta'etti naanna'uu) jechuu dha. "Qalbi jijjirachuu" fi "amantii" (fakkeenyaaf Mat 3:2, 4:17,Mar 1:4,15, 2:17, Luk 3:3,8, 13:3, 5,15:17,17:3) lammaanu barbachisumm aan isaa inni guddaan sagale mkakuu isaa akka ta'an dhugaa isaa yoo ta'e *nhm* kan inni agarsiisu cubbuu mataa ofii gadiifageenyaan hubatee isa irras deebi'u yoo ta'u *swb* cubbuu irraa gara Waaqayyotti deebi'uu kan agarsiisu ta'u danda'a. (Kanneen lamaan raawwii hafuura keessa fakkeenya tokkoo Amos 4:6-11, "gara kooti hin deebine" [yeroo shan] fi Amos 5:4, 6, 14, "naa barbadaadha...Waaqayyoon barbaada...wanta gaarii malee wanta hamaa hin barbaadina"). Fayyidaa humna qalbi jijjirana ilaaletekan jalqabaa fi duraa fakkeenya guddaa ta'uu kan danda'uu Daawiit Beershaabe wajjiin cubbuu inni hojeetedha (2 Samu'eel 12, Fara32:51). Sabab kanairraan kan ka'ee maatii Daawitiif Israa'el irratti wantooti baay'een walitti fufiinsaan kan raawwataman yoo ta'anis ta'us Daawiit Waaqayyoo wajjiin tokkumaa tureetti deebi'eera! Minaasee inni hamaan qalbii jijjirachuudhaan dhiifama argachuudanda'a. (2Sen 33:12-13). Cubbamaa ta'uu isa hubatee dhugaati eenyuma cubbuu irra deebisuuf cubbuu irraa deebi'uu fi Waaqayyof tola isaa barbaadachuun wantoota barbaachisoodha (Isa 1:16-20). Qalbii jijjiirachuun sammuuf, dhuunfaadhaa fi amala namuusaa qabu. Waaqayyoo wajjiin walitti dhuufeenya haara jalqabuu fi cimsuun hunduu barbaachisoodha. Miira gaabi guddaatiin gara Waaqayyooitti of kennuu keessatti fi gara Waaqayyoo bitamutti nu geessa.

**1:3 "warra biyya Giil'aad waan cagadaniif "** "warra" kan jedhu kun warra Sooriyaa ibsa. (BDB 190, KB 218) irratti gochama ijaarsa dhuma hin qabne iddoo qonaa keessatti ijii qola irraa karaa inni itti addaan Baudha. Fakkeessani dubbachuudhaan yeroo fayyadamnu (2Mot 13:7, Isa 21:10, Er 50:11 fi Hose'aa 10:11) irra yaada jiru in ibsa. Firdii Waaqayyoo in ibsa (fakkeenyaaf:- Miikiyaas 4:13, Imbaqoob 3:12)



Asi irratti sagalichii jecha dhokataa ta'uu in danda'a garuu 2 Samuu'eel 12:31 akka hiikaameeti kallaatiidhan ta'u in danda'a. Kalaatiidhaan ta'uus jecha dhokkataa ta'us kun kan inni dubbatuu Soriyaan Israa'eliin miidhu isheeti. Tarii 2Mot 13:1-9 wajjiin waltti dhufa).

■ **“Gala’adiin”** maqaan kun (BDB 166) kan Yaa’iqoob, Roobeel fi ijoollee Gaadi kennaa isaani kan turee Amooni fi lagaa Yaa’iqoob gidduu bakka kaaba Yordaanos itti argamuu kan agarsiisudha. Kan Sooriyaa(Aram) gara jabina 2 Motoota 8:28-29 irraa fi yookaan 10:32-33 walitti dhufuu danda’a.

**1:4 “Abidda nan erga”** gochimi kun kan inni ibsu (BDB 1081, KB 1511) piel kallatidhaan yeroo ta’u kunnis kan “baasii”“addan kutuu” fi adda addaa baasuu.” Jechoota Waaqayyo Azaaheliniis (Syria, Aram) warra manaa fi daanno in balleessa. Abiddi cubbama irratti firdii Waaqayyo kan agarsiisudha. (Fakkeenyaaf Isa 30:27, Er 21:14, Izra 20:47-48,Safoniya 1:18, 3:8, Milkiyaas 4:1) waa’ee abidda 7:4 irratti mata duree adda ilaali.

■ **“Azaahel”** kun mootii Soriyaa mooti abba hirre turee (BDB 303, 2 Motoota 8:7-15). Kan mo’ees Dhaloota Kiriistoosin dura (?) bara 842-796tti ture.Mootin kun Asoorihanoota gara dhihaatti babal’isuus kan fayyadamuu humna waraana cimaa kan qabu ture. Sooriyaan deddeebite in marfanti turte, garuu Damasqoon hin fudhatamne ture (kana jechuun 841,837 fi 836 ta’a ta’a. Dhaloota Kiriistoosiin dura.) Yeroo tokkoo Aza’aheel olla isa kibbaa yeroo xuquu yeroo tureetti dhiphina warra Sooriyaa hir’see ture.

1. Naannoo Yordaanos 2Mot 10:32-33
2. Filliisxeem 2Mot 12:17
3. Yihuudaa 2Mot 12:17-18

■ **“Daannoota”** jechi kun (BDB 74) karaa adda addaatiin iikameera.

1. Qabiyyee cimaa (daannoo)
2. Looltootaan kan eegame mana mootummaa yookaan mana qulqullummaa
3. Humna ittisaa

Kan Akkadian jecha ergifannaa kan ta’e b’rh , boojudhaan dura kan ture seera barreefamaa wal bira qabuun in ibsa ture (fakkeenyaaf daannoo jabaa 2Sen17:12, 27:4 keessaa fi mana qulqullummaa Sena isa dura 29:1, Neh 2:8 keessaa).

■ **“Walda Adeer”** kun (BDB 122, 2Mot 13:3, 24-25) mucaa Aza’aheel. (Dhaloota Kiriistoosiin durra bara 797-775). Tarii maqaan kun kan kennameef abba isaatiin ta’u in danda’a (seena keessatti akka WALde adeer111) sababni isaa maqaan kun (mogafama maatii mootoota) fakkeenyaaf Gibxitti Farihoon yookaan Roomaatti Qeesoor akka jedhamuu hunduu kan maatii mootii Sooriyaa baayinaan maqaa kana walitti fufiinsaan itti fayyadama dhufaa ture.

Dabalatanis Waaqa qilleensa bishaan irraa kan jedhamu Hadad (Baa’ool yookaan Reemoo 2Mot 5:18) waaqeffanna agarsisuudanda’a. Haala kanaan yeroo ilalamuu waaqi tolfaman waaqeffannaa mormuu danda’a ta’a.

**1:5 “Danqaroota kara Damaasqoo”** kallattiidhaan kun kan lamaani karaa ittin galumsaa isa beekama balbala muka irraa kan qabsiifaman mukoota gurguddoo lamaa (yookaan yeroo tokko tokkoo ulee sibilaa Mootoota isa duraa 4:13) in agarsiisa.

Jechii dhokkatan immoo kan Araamiin Aram) xuxxuuquu fi biyyaa ba’u in agarsiisa.

■

NASB, NKJV

NJB

NRSV, TEV

NIV

NET

JB

“jiraataa”

“Jiraatoota”

“Mooticha”

“Geggeesicha”

“Kan mo’ee”

Jechii kun *Qal* ACTIVE PARTICIPLE MASCULINE SINGULAR (BDB 442, KB 444). Jecha kanaaf

1. Lakk. 5 C, “Inni mootummaasa uleen (ulee isaa) kan qabate”
2. Lakk. 8 B “Inni mootummaasa uleen (ulee isaa) kan qabate” gidduu wal fakkeenyi jiraachuun ifaadha.

Macaafni Qulqulluun (*The Rotherham's Emphasized Bible*) “Inni kan inni taa’e = kan mo’e” kanjedhu yaadannoo miila jal’aa qaba. (fuula 873).

■ **“Lafa onaa Aween irraa”** kan “Aween” kun (BDB 19) jechi jedhu hiika kan hordofan ta’u danda’a.

1. Jeequmsa
2. Gaabbuu
3. Cubbammaa ta’u
4. Waaqa tolfamaa waaqessuu

Kunnis Amos hanga Hose’aa kitaaboota jiran irratti yeroo baay’ee faayidaa irra ooleera.

1. Bakka waaqeffannaa waaqa tolfamaa (Amos)
2. Beetliin kan fayyaduu jecha Hibruun kan ibsame (Luqisii Hose’aa 4:15,5:8,10:5-8)
3. Cubbuu kan agarsiisu (Luqisii Hose’aa 6:8, 10:8,12:11)
4. Duwwaa ta’u (kana jechuun waaqeffanaan waaqa tolfamaa kan akkasumaani ta’u luqisi Amos 5:5)

Kana irratti kun kan inni agarsiisu Sooriyaa keessatti iddoo tokkoodha. The Expositor’s Bible Commentary, maxansa 7, fuula 284, akka lafa kaa’utti yeroo Girikii Helipolis kan jedhamuu jeecha Yihudii Baalbekiin faayida irra ooleera. McComiskey cimsee akka dubbatuu Sooriyaa fi Gibxii giddu walitti dhuufeenyi turee sababi magaaln kun tarii maqaa magaaln Gibxii tokko irraa fudhachuun isaa in oole (Luqisii the XXX ) Teessumi lafichaa lafaa gaarii ta’un isa adda hin baafatamne. Ta’us garuun baay’een isanii akka amananiitti bakkichi kan Bukaa lafa honaa dha. (luqisii XXX).

■ **“Inni ulee mootummaa isa kan qabate”** kan jalqabaa ulee mootummaa (BDB 986) agarsiisa kan turee muka irra kan hojeetame lolaaf kan tajaajiluu meesha ture. Bara sanatti geggeesitooti turaan sirritti waaranaa kan turan turani. Muka irraa kan hojeetame meeshaan isaani kun kan aangoo, kan geggeessummaa fi cimaa ta’uu mallattoo ta’a dhufe. Uleen mootummaa kun Isa 14:5, Amos 1:5, 8, Zak 10:11 keessatti akka ibsameetti saba itti hin amaneetti moototi itti fayyadamaniiru. Akkasumas akka Waaqayyoo hunma Masiihin Isa 11: 4 keessaatti faayida irra akka oole agarsiisa.

■ **“Mana Edeen irraa”** maqaan kun (mana gammachuu” jechuu dha. (CONSTRUCT BDB 108 fi 112) kan adda hin baafamiin lafaa waan gaarii qabu ta’uu ta’us garuu iddoon kun ta’uu kan inni danda’u (1) Araam irraa (Aram) karaa kaabaatiin laga Ifiraaxisiin biyya marfamee (Assurnasirpal 11 fi Shalmanneser yeroo 111) yookaan (2) lafa honaa Buukaa keessatti kan argamuu Baalbeek (Tiglath-pileser yeroo 111)

■ **“Kanaaf sabnii Sooriyaa gara Qiiritti in booji’ama”** 9:7 irraa akka baranuutti bakki kunni biyya dhaloota isani ture. Jirreenya isaani bakka jalqabaan irra in ari’aamu (BDB 885, Luqisii 2 mootota 16:9). Ta’us garuu bakki kun naannoon sirii ta’e hin beekamu (Isa 22:6) baayeen isaani Ilaam keessatti naannoo argamu akka ta’etti in ibsu.

## Amos 1:6-8

**6 “Waaqayyoo akka jedhu! ‘Warri mandara Gaazaa dabarsanii warra Edoomitti kennuudhaaf, saba guutummaatti waan boojiisaniif, ani irra-daddabaa isaanii isa keessa deddeebi’aniif adabni akka irraa deebi’u hin godhu! 7 “Kanaaf ani kellaa Gaazaa irratti ibidda nan erga; inni immoo mana ishee warra jajjaboo in fixa. 8 Ani warra mandara Ashdood keessa jiraatan, isa ulee mootummaa baatus mandara Ashqalon keessaa nan buqqisa; mandara Eqroon irratti harka koo ol nan fudhadha, warra Filiisxiyaa keessaas kan hafan badduu in ba’u’ jedha Waaqayyoo gooftaan” jedhe.**

**1:6 “Gaazaa”** magaaln kun (BDB 738) saba Filisxeem ibsuuf kan taajijilu magaaln ture. Isaan kun kan Agiiyaan (Agean) lafa bishaan gidduuti kan dhufaani fi Gibxiin marsuuf kan yaalaan namoota bishaan irraa turan. Ta’us garuu Gibxiin mo’amani naannoo 1200 Filisxeemiin kibba bahaatti kan argamtuu biyya galaanan marfamtee irra qabataniru. Tekinollooji bara sibiila qabatani waan dhufaaniif naannichaa irraa jireenyaa to’annoo isanii jal’a galche ture. Lakk.6-8 kan jiruu keessaa magaalaa bebbeekamoo shan isaan qaban bitaa isaani jal’a jiruu keessa afuur ibsamaniiru: Ishedoor, Ashdod, Ishkeloon Ashkelon, Ikiroon Ekron fi Gaazaa.

■ **“Boojuu isaa hundaa booji’eera”** ifatti akka mul’atutti hidda sanyii Esa’uu irraa kan dhufaan Filiisxeemin kan fudhataman Hibirooti balbalicha bittuuf dammaqoo ta’anii hirmaataniiru. Walummaa galaatti hawaasichii qabamee in gurgurama ture. (luqisii Iyo’eel 3:3-8).

■ **“Edoomiyaas”** Odoom, Mo’aab fi Amoon Yihudii wajjiin firoota turan. Jiraata kan turanis kibba Yordannoos ture.

**1:7 “Inni ulicha kan qabatee”** Devid alan Hubardii, Iyyu’eel fi Amos (Tiyindaal kan biyyii yaada kakuu fuula 133 fi 136) irratti Amosin kan ilalatan wantooti kanatti aanani jiran sirri akka turee ibsuudhaaf seenota xuqaa ka’aniiru.

- 1) Magaaloti Filisxeem bittaa motoota jal’a kan turan yoo ta’u tayita ulee qabatanni kan turan magaaloti biraan kan marfaman magaaloota bittaa motoota turan.
- 2) Mootii Amoonota fi abba taayita kan mooticha kan turan luqisii ( v. 15, Hose’a 7:,5, 7,16,8:4)

**1:8 “Filsxeemitti kan hafan in baduu”** (814) Iyyaasuudha hanga Daawiti yeroo ture Filisxeemoota (BDB 814) kan shaakalan dinoota Yihuuda turan. ISaanis akka sabaa fi akka lammii biyyaa guutumma guututti in baduu.

■ **“Inni Waaqayyo gooftaadha”** kun hiikii isaa kallattiidhaan Adoon Yaahiwweedha. Lamaanuu iddo tokkootti yoo argaman hiikni inni kennuu akka “Gooftaa,” waan ta’eef “GOD.” (Waaqayyoo) hiika qubeetti. 1:2 irratti maqooti Waaqayyoo kan jedhu mta duree addaa ilaali.

## **Amos 1:9-10**

<sup>9</sup>**“Waaqayyo akka jedhu!**

**Warri mandara Xiros saba guutummaatti dabarsanii boojuudhaaf**

**warra Edoomitti waan kennaniif, kakuu obbolummaas waan hin yaadatiniif,**

**ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi’aniif adabni akka irraa deebi’u hin godhu!**

<sup>10</sup>**Kanaf ‘ Anii kekkaa Xiros irratti ibidda nan erga; inni immoo mana ishee warra jajjaboo in fixa’ jedha”**  
**jedhe.**

**1:9 “Xiros”** kun (BDB 862) kan agarsiisu sanyii Kanaa’anoota fi namoota galaanarraa kan (Galaana Isiyaa) kan argaman sanyii Fonishiyaa kan qaban uummatoota. Sabni kun sababa dhiibbaa Elzaabeeliin karaa kaabaatiin gosota kudhan uummatooni kan galan soorama waaqa tolfamaa kan turan kan Be’aal Ba’ool fi kan Isherastarooti burqawwaan (argama guddaa) in ta’aaf. (1 Mootoota 16:31-33, 18:19,21).

## **Mataduree Addaa: Waaqeffannaa warra ba’a dlyoo warra durii keessaa kan qaljummaa (FERTILITY)**

### **I. Sababa issaa**

- A. Namoonni durii kan jalqaban akka namoota adamoo adamsaniitti yeroo ta’u garuu jirnyii babl’achaa yeroo dhufu horii horiisuuunii fi qonnaan jalqabame.
- B. Namoonni ba’a dhi’oo human uumamaatiin namoota miidhaan nisaan irra ga’u turan. Naannawaa bishaan gurguddoo qarqaratti qarroomni yeroo baballachuu jalqabu jarri seera haala qilleensaa irratti hirkachuu jalqaban.
- C. Humni uumamaas waaqoliitti lakkaa’amuu jalqaban jarris kan kadhannaan isaanii dhiyaatuu fi kan kadhataman.

### **II. Eessaa fi maaliif**

- A. Waaqeffannaan Qaljummaa guguddachaa dhufe.
  1. Gibxii (Nilie)
  2. Mesepotoomiya (Tigris fi Efraaxis)
  3. Kanaa’aan (Yordaanos)
- B. Walifakkeenya bu’uura qabeessa ta’e kan waaqeffannaa qaljummaa giddu galeessa godhate.
- C. Haalli qilleensa gegeeddaramaa ta’e fi kan irratti raajuun danda’amu waaqeffannaan garaa garaa akka guguddatuuf sababa ta’e, kunis namoota, fakkiilee gara garaa karaa hafuuraatii fi lafa irrattis akka bu’uura jireenyaatti itti fayyadamuudhaan.

### III. Eenyuu fi akkamiin

#### A. Eenyu (waaqalii tolfamoo dhiiraa fi dhalaa)

1. Gibxii
  - a. Isis (dhalaa)
  - b. Osiris (dhiira)
2. Mesopotamia
  - a. Ishtar/Inanna (dhalaa)
  - b. Tammuz/Dumuzi (dhiira)
3. Kanaan
  - a. Ba'al (dhiira)
  - b. Asherah, Astarte, Anath (dhalaa)

#### B. Jarreen cimdiin kun karaa walfakkaatuun ku'annoo ta'aniiru (mythologized)

1. Tokko ni du'a
2. Inni kan biraa ni deebisa
3. Du'uu fi du'aa ka'uun waaqa sanaa naann irra deddeebi'ee (cycles) uumamaa ni murteessa

#### C. Hojiin xinqolaa walquunnamtiin saalaa nmaa (jechuunis walifuudhuu fi heerumuun waaqolii tolfamuu) kan akka midhaan, horiinii fi namoonni akka horanii baayyatan karaa mirkaneessu taasifamee fudhatameera.

### IV. Israa'elota

- A. Sabootni Yaahiwee akeekkachiisni kennameeraaf (jechuunnis Leewotaa fi Kesi) waaqeffannaa qaljummaa (fertility) akka ofi irra fageessan (keessattuu Kanaa'aan).
- B. Waaqeffannaan akkasii baay'ee kan beekaman turan, sababni isaas himteen ilmaan namootaa fi gocha walqunnamtii saalaa isa dabalataatiin.
- C. Ejjii kan mul'atu akka jireenya eebbaatti, waaqeffannaan yookiin karaa sirna waaqeffannaatiin Yaahiwee irratti amanachuu dhuunfaan alatti.

### V. Tuqaalee dubbifannaa

- A. W. F. Albright, *Archaeology and the Religion of Israel*
- B. J. H. Breasted, *Development of Religion and Thought in Ancient Egypt*
- C. James G. Frazer
  1. *Adonis, Attis, Osiris*
  2. *Folklore in the Old Testament*
  3. *The Worship of Nature*
- D. C. H. Gordon, *Before the Bible*
- E. S. N. Kramer, *Mythologies of the Ancient World*

■ **“Boji’amtooti hundumtuu Edomiif dabarsamanii kennamaniiru”** Homer Mentions Tyre’s kan Xiirros daldalaa bishaan irraa *Odyssey* kan jedhuu kitaabicha keessatti dubbatameera 4:288ff; 15:473ff.

■ **“Kakuu obbooloota hin yaadne waan ta’eef.”** Kunni gosa tokkoo kan ta’e waligalte argisiisa. Tarii Solomooni wajjiin walii galtee godhame dursamee (2Sam 5:11 5: 11; I Mot. 5:1-18; 9: 11- 14). Tarii galumsi kunni kan hin taane lammii biyyoota olla garbumaadhaaf gurguuru amala argisiisu ta’u danda’a. Kutan kunni kan inni ibsu hundumtuu cubbuudhaan sanyii namaa biyya isaa irratti kan godhu gochaa sirri hin taane argisiisuudha.

**1:10 “Dallaa Xiirros irratti abidda nan erga galma Isa hin nyaati”** Xiirros (magaala gudditti Fooniishiyaa) salphaatti kan tuqamuu hin dandeenye daannoo kan qabdu biyya bishaan gidduu turte ta’us garu Iskindiir inni guddaan Dhaloota Kiriistoos dura 332 irratti kara Filisxeemiin yeroo darbuutti ji’a torbaaf erga marfamte booda diinni magaala ishee yeroo diigeetti dhagoowwaan caccabani karaa cirachaa yeroo hojeetamuu magaalattiin foyya’aa dhuftu. Galmee seena irraa akka baranutti 600 kan ta’an ajeefaniruu, 2,000 kan ta’an fanifamuudhaan yookaan billaadhaan ajeefamaniiru akkasumas 30,000 kan ta’an garbummaatti gurguramaniiru.

### **Amos 1:11-12**

**<sup>11</sup>“Waaqayyo akka jedhu!**

**Warri biyya Edoom billaa fudhatanii obbooloota isaanii waan ari’aniif,**

**oo'as waan hin argisiisiniif, aariin isaanii yeroo hundumaa waan boBauf,  
dheekkamsi isaaniis bara hundumaa waan itti fufeef,  
ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi'aniif adabni akka irra deebi'u hin godhu!**  
<sup>12</sup> **Kanaaf, 'Ani mandara Temaan irratti ibidda nan erga;  
inni immoo mana mandara Bozraa warraa jajjaboo in fixa' jedha" jedhe\*.**

**1:11 “Eedomihaas”** kun (BDB 10) kara Iyatiin Uma 25:19-26, 36:1-19 irratti akka xuqameetti kan Israa’el fira dhihoo kan agarsiisudha. Edomihaasii fi Israa’el yeroo baay’ee wali hin galan turan. Edomihaas kan bade kan maatii mallattoo jabinaa fi wali galtee ta’a dhufte. Edomihaas kara raajootatiin irradeddeebi’amee yeroo baay’ee in abaaramti turte (Isa 5:34, 5-17,63:1-6, Er 49:7-22 Lam. 4:21-22, Hiz 25:12-14, 35:1-15, Milkiyaas 1:2-4). Beta (phet) magaalaa guddoo Edomihaas turte (Fara 137:7,Hiz 25:12-14, Obad.10-15, Milkiyaas 1:2-4). Eri Yihuuda gara bahaa kuta Yordannoos (yeroo sanaatti kan ittin waamamu Joordaan) bakka keessatti argamu ture.



NASB	“Gara laafumaa”
NKVB, NRSV, NJB	“Miira gaddaa”
TEV	“Haraara”

Sagalleen kun (BDB 933) dabalataani biyyaa Agaarii wajjiin kan godhamu wali galte argisiisu danda’a (kana jechuun “uummata biyyaa olla warraa walitti dhufeenya qaban,” NIV irratti qabsiisa jal’a isaa fi... Macaafa Qulqulluu NET)

▣ **“Dheekamsa isaa yeroo hundumaa warabameera  
waan ta’eef bara baraan jabaatera.”**

Isaan lamaan walaloo himaa (gaalee) walitti hidhata qabu. “Dheekamsa Isa” kan inni agarsiisu kan Odomihaas Israa’eli irratti kan hin jijjiramnee fi dheekamsa itti fufuudha. (NEB) . Ammas dheekamsa Waaqayyo sababa inni dhufeef saba isaa irratti inni guddan firoota irratti cubbuu raawwatamuudha.

**1:12 “Teeman”** kunnis (BDB 412) kaaba Edominihaas magaalaa guddoo ishees Bozrah. (PARTICIPLEeraa) kan turtee bittaa Edomihaas argisiisa ture.

▣ **“Baasora”** kun (BDB131) kan inni argisiisu kaaba Edomihaas magaalota guddoo jedhaman keessaa tokkoo yeroo ta’u “kan mootii karaa ulfinaa” (kan Yoordannoos kaaba irraa galoo galaanaa (gulf) gara sooriyaatti kan godhamuu deddeebi daldalaa) kan jedhamee magaalaa guddoo barreedudha.) Bakki kunni seenaa durii guddoo kan qabu magaalaa ture. (Uma 36:33, Macaafa seena isa duraa 44).

## **Amos 1:13-15**

<sup>13</sup> **Waaqayyo akka jedhu!**

**“Warri biyya Amoon daarii biyya isaanii bal’ifachuudhaaf jedhanii,  
biyya Giil’aaditti garaa dubartoota ulfaa iyyuu waan tarsaasaniif,  
ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi’aniif adabni akka irra deebi’u hin godhu!**

<sup>14</sup> **Kanaaf, Ani kella Raabaa irratti ibidda nan bobeessa;**

**inni immoo mana ishee warra jajjaboo in fixa;**

**kunis guyyaa duulli wacutti, guyyaa qilleensi bubbisuttis in ta’a.**

<sup>15</sup> **Mootiin warra Amoon gurguddoonni Isa isaa wajjin, booji’amanii in adeemu’ jedha gooftichi” jedhe\*.**

**1:13 “Amoon”** kunnis (BDB 769) akkasumaasii karaa looxiin fira Israa’elitti. (Uma 19:32-38). Israa’elootni Gibxiidhaa yeroo ba’aanitti firoota waan turaniif Amoonoti ittin hin morman seera keesa deebi 2:19). Amoon naannoo Yordannoos keessatti laga Amoonii fi Yaabooq bakka jiru ture.

▣ **“Kan Galaa’ad dubartii ulfa baqasaniiruhooti”** Gillead (BDB 166) naannoo kaabaYordannoos keessatti bakka argamuudha. Kanaafi raawwiin ibsameefi wanti tokkooyyuu seenawwan xuqamee yoo jiraachuu baatee iyyuu shaakaalli kun akka ture sirritti beekama (2Mot 8:16, 15:16, Hose’a 13:16) waan fedhee yoo ta’eellee garuu humnaan (Barbaash) shaakalli waranaa isaani sababii isa murtii Waaqayyoo saba kana irratti gadi bu’eera.

■ **“Daangaa isaaniis akka bal’isaaniif”** kun dubartoota qulqulluu fi ajeecha da’imaani Israa’eelooti Yaariikoo waraanni akka ture waranaa qulqulluu wajjiin wali hin qabatu (Iyyaasuu 6) haa ta’uu malee akka salphaatti lafa baay’ee qabachuu fedha irraa hin dhorkamne lolaa kakkaasuu ture.

**1:14 “Raabaati Rabbah”** jechii kun hiiki isaa “isa guddaa” akka jechutti (BDB 913) wamichi kun Jaabook burqaa lagaa kan argamuu magaala Amoon ibsudhaaf in gargaara ture. (Kes 3: 2 Samuu’el 12:26, 17:27).



NASB, NJB  
NKGV, NRSV  
TEV

**“Kan waraana bo’Ichaa”**

**“iyyuu”**

Wamichi kun (jecha (BDB 929) dame baay’ee wali wajjiin adeeman qabu

1. Tapha baayi’suu (dabaluu)
  - a. Warannaaf
  - b. Mo’chaa argamsisuuf
  - c. Waaqeffannaaf
  - d. Balleessuuf
2. Iyya akka tasaa (Dhoosuu) gochuu

Macafa Iyyaasuu 6:5,10,16,20 keessatti akka arginuutti yeroo baay’ee bo’ichii walansoo iyyaa meeshaa Fara wajjiin kan wal qabateedha. Tokkoon tokkoon sabni biyyicha kan mataa isaa isaati kan ta’e’boo’icha waranna qaba ture (2:2 Samuu’eel isaa dura 17:20,52 dabalataaniis kan Roland deVaux, *Ancient Israel*, fuula 9, 2:54 irratti barreessee ilaali). Israa’el Yaahiwwee wajjin kan wal qabatee ture (Abo 7:20-21).

# AMOS 2

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Firdii Saboota irratti (1:3-2:3)	Biyyoottan olla irratti, Yihudaa fi Israa'eel irratti ragaa Himataa (1:2-2:16)	Olloottan Israaeel irratti Firdii Waaqayyoo (1:1-2:5) Mo'ab	Firdii Waaqayyoo Olloottan Israaeel irrattii fi Israa'el mtumashee Irratti(1:3-2:16) Mo'ab
2:1-3	2:1-3	2:1-3	2:1-3
Firdii Yihudaa irratti		Yihudaa	Yihudaa
2:4-5	2:4-5	2:4-5	2:4-5
Firdii Israa'eel irratti		Firdii Waaqayyoo Israa'eel irratti	Israa'eel
2:6-8	2:6-8	2:6-8	2:6-8
2:9-12	2:9-11 2:12	2:9-3:2	2:9-11 12-16
2:13-16	2:13-16		

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

#### Amos 2:1-3

<sup>1</sup> Amos ammas, "Waaqayyo akka jedhu!

'Warri biyya Mo'aab lafee mootii Edoom

gubanii nooraa mana diban waan godhataniif,

ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi'aniif adabni akka irraa deebi'u hin godhu!

<sup>2</sup>Kanaaf, ani biyya Mo’aab irratti ibidda nan erga;  
inni immoo mana jjaboo mandara Keriyot in fixa;  
warri duulaa utuu wacanii, sagalee fiinoos dhageessisanii,  
namoonnii Mo’aab goolii keessa in du’u.

<sup>3</sup>Isa biyyaa seerratus ishee keessaa nan balleessa,  
gurguddoota ishee hundumaas isaa wajjiin nan ajjeesa’ jedha Waaqayyo”

2:1 Boqonnaa tookkoo keessa kan ture haali murtii kallaattidhaan boqonnaa lama keesaattis itti fufeera (1:13)

■ “Mo’aab” isaan kun karaa Looxilsira’eeli wajjiin firummaa qabu turan seera 19:30-33. Biyyattiitti bakka Yordannoos Amoonii fi Zeered lagoota gidduutti kaaba Eedomihasitti argamti.

■ “Mootiin Edoomihaas lafeen daaraa amma ta’uttu gubeera” gochi kunjechuunis 1) Hawala banuu 2)Qaama nama du’ee sana balleessuu 3) Isaan kanaas gubuu 4)Isaan kanaas walin makkuudhaan ijaarsa manaatiif akka ta’utti simintoo yookaan pilaastikii ([keenyaan nooraa dibuudhaaf]) hojochuu nama tokkoo akka waan salphisuu fi erga du’ee boode boqonnaa inni qabu kara gadhee ta’een kan tuquu ta’e in mul’ata ture.

Kun aadaadhaani kan balaleefatamee fi kara amantiis wanta dhorkame ta’I jedhani darbuun kan irratt ture sadarkaa hawaala agarsiisa. Kunnii reefaa gubuun foon qaama nama du’ee karaa ittiin balleessan osoo hin taane kan inni nuti himuu kan amanti yookaan seera uummataa akka waan cabsutti ta’uu isaati. Kanas ta’u sanas waa’een reefa kana gubuu yaada ammayoome irratti qayyabannaa akka waan geggeessuu carraa kenna.

Nama du’e gubuun hundumaaf baha dhihoo uummatoota jiraniif shakaala nama sukaneesu ture. Kunnis Macaafa Qulqulluu keessatti yakka guddaa wajjiin duwwaa walqabsiisuun ibsameera (Uma 28:24 Lew 20:14, 21:9, Iya 7:15, 25). Bifa wal qabatee jiruun Mo’aab jibbaan mooti Edoomihaas lafee isaa gubuudhaan gamoowwaan kana ijaaruudhaaf yookaan immoo keenyaan cimsuudhaaf akka meeshaa wal qabsiiftutti (White wash walls (Targums)) akka ta’aniif Mortar wajjiin waliin make (Tarbums). Lime (BDB 966,Isa 33:12) kan Mortar fi kan walqabsiiftu (White wash) wal makaadha.

Gochi kunni badisa wali galaatiif ibsa ta’u kan danda’uudha (kana jechuun Bulgate). Gochima kallaatiidhaan i fi bu’a jecha dhokkataa hiikudhaaf rakkisaadha. Kun immoo tokkooffa irratti kitaaba Amos keessatti akka jiranitti dubbifamni walaloo dhugaadha.

## MATA DUREE ADDAA: GUBUU

### I. KAKUU MOOFAA

- A. Gubuun Lew keessatti, raawwii adaba du’aan nama adabsiisu arfan keessaa isa tokkoffaa dha; (20:14; 21:9; fakkeenya; Uuma. 28:24 fi Iya. 7:15;25). Firootni Saa’ol reefa Saa’ol fi reefa ilmaan isaa sadan, lafa Beniyaam irratti awwaluu isaaniin dura, biyya Filsxiyaatii fidanii guban (20:14; 21:9, fakkeenyaaf, Uma. 28:24 fi Iyyaasu. 7:15, 25)
- B. Beektota gidduutti wal dhabbee muraasatu jira; “gubuu”faallaa isaa “muuduu”dubbisa jedhu irratti. Kakuu Moofaa keessatti kun gbuu isa sirrii dha (*Encyclopedia Judaica*; jildii 5; fuula 1074). Innis immoo tarii an argisiisu quyyifa/ mi’eessituu (Spice) gubuu dha (2 Seen. 16:14; 21:19; Erm. 34:5).
- C. Booda irratti raajii biyya Yihudaa sun, iddoo aarsaa irratti gubachuu lubootaa raajii dubbate (1 Mot. 13:2).
- D. Waa’ee gubachuu yeroo tokko tokko dogoggoraan abidda dheekkamsa Waaqayyoo Kakuu Moofaa keessa jiru waliin wal qabata (Isay. 30:33). Gubuun akka jechamaatti (jechuunis; “jirma ittiin guban”) firdii badiisaa guyyaa dhumaa argisiisuudhaaf itti dhimma ni ba’ama.
- E. Awwaalchi biyya Baha dIyoo ishee durii keessatti gocha beekamaa dha Roland deVaux, *Ancient Israel*, jildii 1; fuula 57). Gubuun akka salphisuutti ilaalama (Amos. 2:1).

### II. GIRIIKII FI ROOMAA

- A. Biyyootni qaroomaa kun laamaanis ni gubu turan.
  1. Giriki; dhaabbatadhumaan (Sophocles, *Electra*, 1136-1139)
  2. Roomaa; ni geggeeffama ture; garuu kan beekame miti; akka filannootti Cicero, *Deleg* 2, 22, 56)



B. Aadaan warra Mediteraaniyaa aadaa biyya Bahaa dlyoo ishee durii caalaatti gubuu irratti ejjetnoo addaa qaba ture. Taasites akka ibsetti; warri Yihudootaa ni awwaalu malee hin guban (Seenaa 5. 5).

III. Yihudummaa Raabii

A. Awwaalchi hedduun warra Raabii jedhan Kes. 21:23 keessatti ajajameera.

B. Gubuun Taalmuud keessatti dhorkameera (Saanihi. 7:2;24b) fi *Mishna* (*Abodiah Zarah* 1. 3).

C. Yihudummaa inni jabanaa; waai gubatan awwaala warra Yihudii keessa akka boqotan ni iyyama (*Encyclopedia Judaica*, ; jildii 5; fuula 1074).

IV. KAKUU HARAA

Dhimma kana ilaalchisuudhaan Kakuu Haaraa keessatti wanti ibsame yookaan caqafame hin jiru. Namummaan foonii akka bakka boqonnaa yerootti ilaalama (2 Qor. 5). Namummaa moofaa keessaa, guyyaa dhumaatti amanaa waliin kan ta'u ni jira; garuu immoo ibsi tokko illee hin jiru (1 Tas. 4:13-18). Kun kiristiyaanotaaf dhimma "amantii fi mooxannoo" miti. Akka Yihudoota Kakuu Moofaa; amantootni Kakuu Haaraa du'aa ka'uutti ni amanu. Qaamni guyyaa dhumaa ni jira; garuu immoo attamittii fi maaliif akka ta'e adda hin bane! Haallii fi bakki namummaan foonii namatti hafe amantootni Kiristoos waliin akka wal hin argineef hin dhorku. Inni guddaan amantii Kiristoositti qabnuudha malee namummaa foonii miti lakk!

**2:2 "Abidda gadaan buusa"** Goochimni kun kan innii argisiisuu

1. Firdii Yaahiwwee
2. Magaloota gubuu

Amos keessatti kun lamata kan ibsamee 1:4, 7, 10, 14, 2:2, 5 fi Hose'aa 8:14 dha. Abiddi yeroo baay'ee akka waan qulleessutti hojii kan raawwatuu fi kan Waaqayyoo mallatto argamuu ta'ee in fudhatama. Abiddi 7:4 MATA DUREE ADDAAa ilaali.

■ **"Dannoowwaan"** 1:4 irratti kan jiru yaadannoo ilaali.

■ **"Qiirooyaat"** kun naannoo yookaan maqaa magaalaa NEB LXX itti fufee akka "magaalaa" in hiikama (sababi isaa Er 48:41 haa ta'uu malee kan NEB maxansii sirreeffamee REB kan jedhamuu maqaa bakkichaa gara hiika isaati in deebisa (kana jechuun "Yero'aat mana mootummaa") magaalaa kun ammaas deebii'ee Er 43:24,41 keessatti dubbatameera. Magaalaa kunni (tarii Qiiir, Isa 15:1 warra Mo'aabootaatiif sanyii kan kennuu waaqa tolfammaa kan itti waaqefatan iddoo isa guddaa turte, *Chemosh* (*The Mesha Stone* L.12, 1Mot 11:33).

■ **"Jeeqamsaa fi iyyuudhaan"** 1:14 irratti qabsiisa jiru ilaali. Kan jeequmsa iyyii fi fiingee afuufuun yeroo baay'ee wal'ansoo keessatti akka waan udhanitti in fayyadamu. Qabiyyee tokko tokkoo keessatti goochmni jiran sagalleen isa yeroo lolaatti akka waan bittaacha itti galee fi akka waan sodaatti in kaa'u.

■ **"Sagallee fiingetiin"** fiingeen dirree lolaa irratti loltoota bobasuudhaaf in gargara ture. 1:14 irratti qabsiisa amma ilaali.

**2:3 "Murti inni kennuu"** kun ilaalcha mootitiin kan dhiyaate. Mootichi akka abba murtiitti ta'e kan inni raawwatu (Milkiyaas 5:2 akka bakka bu'aa Waaqayyoo ta'ee (Uma 18:25, 18:25; Abo. 11:27; Far. 50:6; 75:7; 94:2; Isa. 33:22). Wal cinnaan kan jiruu goochmni "hunduma isaa geggeesitoota ishee" maatii mootota argisiisa. Mo'aab akka uummata biyya tokkootti walumma galaatti kan baduu ta'a (Mal 1:2-5).

**Amos 2:4-5**

<sup>4</sup> Waaqayyoo akka jedhu!"Warri biyya Yihudaa seera koo seera

Waaqayyoo isaanii tuffatanii seerrata koos eeguu didanii,

Waaqayyolii sobaa warra abboonni isaanii duukaa bu'aa turaniin waan wallaalchifamaniif, ani irra-daddarbaa isaanii isa keessa deddeebi'aniif adabni akka irraa deebi'u hin godhu!

<sup>5</sup> Kanaaf, 'Anibiyya Yihudaa irratti ibidda nan erga; inni immoo mana jajjaboo Yerusaleem in fixa' jedha" jedhe\*.

**2:4 “Yihuuda”** Yihuuda irratti kan ka’ee komiin Macaafa Qulqulluudha male saban miti. (ajajii Waaqayyoo beekkuu, kana jechuun seerrawwaan Musee) Yihuudaan komii kana mormee ta’u danda’a. Haa ta’uu mae kan wal qabatee cubbuuwwaan kanaan Yihuuda jal’aa kan jiran Israa’eloota Yaahiwwee irratti raawwatameera. (Er 3:6-10, Hiz 23:1-49).

■ **“Seerota Waaqayyooof gataniiru waan ta’eef”** “Gataniiru” Goochimni jedhu u (gochimaa) (BDB 549, KB 540, Qal infinitive CONSTRUCT) faalla kan fakkaatan bifa lamaan dhihaatera.

1. Namni tokkoo yookaan waan tokkoo gatu yookaan mormuu (kana jechuun asi irratti seera Waaqayyotti.)
2. Waaqayyoo saba isaa dhiisuuf in barbaadne. Isaaniis Waaqayyoon, seera Waaqayyoo (haraara, raaji fi Waaqayyoon waaqeessu mormaniiru haa ta’uu malee haraara barbaadani Waaqayyoo adabe malee guutummaa guutuutti isaan in ganne.

Asirraa kan jiru dhugaan isaan wal duraa duuban bakkooni ifatti mulateera. Er 6:30, 7:29, 14:19 fi 31:37 Amos keessatti (2:4, 5:21) fi Hose’aa (4:6 [si’a lama], 9:17) Yaahiwween saba isaa sanyii sanyii isaani isaa fi seerota isaa dhiisu isaanittiin sababa barootaa fi dhiiseera. (Hose’aa 4:6, 8:1, 12) hundumtu sanyiin Israa’el dhufan amantii qalbi jijjiraanaa fi abomamuu yoo hin shaakale Waaqayyoodhaa wajjiiniin walitti dhuufenya sirrii raawwataniin hin qabataan.

■ **“Sobowwaan isaani isaan dogogorsaaniru”** “soba isaani” (BDB 469) kan jedhu jechii hiika “soba isaani” “sobuu,” yookaan “waan dogogorsaa” NIDOTTE, maxansa 2 fuula 619 amali jecha kana sirritti kaa’eera. Kara ta’een amalii Waaqayyoo jecha yookaan hojii raajoota isaatiin yookaan uumamaa isaatiin kan ibsame wajjin sobi wal waaman gocha ta’eeni yookaan jecha irratti xiyyaafachuun” Fara 40:5 fi NIV yaada kana in calaqisiisu. “Sobi isaani” jechi jedhu baruumsa sobaa fi Waaqota soba Waaqessuu argisiisa. (Ibroota 2:18) isaan yaadi wal fakkaatan kakuu haaratti Yohaannis isa duraa keessaatti “soba” cubbuu guddaa kan ta’ee fi kakuu seera kan walitti hin dhufne Kiriistoosiin amanuu dhiisuu argisiisa.

■ **“Abbootni isaaniis kan isaan hordofaan”** kana wajjiin kan inni ibsuu akkuma dhaloota dursanii amanamummaadhaan kan Kana’an sanyii kan kennu waaqa tolfama waaqessaa akka turanidha. (kanaas jechuun, Ba’aalii fi Astaroot/Astaroot).

Kun kan argisiisu guyyoota dhufanitti biyyaa kan ba’an warri Babiloon Yihuuda irratti akka buufatan ta’uu isaati. (kunnis Matihos 586-539)

## **Amos 2:6-8**

<sup>6</sup> Waaqayyoo akka jedhu!

“Warri Israa’el irra-daddarbaa isaani keessa waan deddeebi’aniif, adabni akka irraa deebi’u ani hin godhu!

Isaanoo nama qajeelaa meetiitti, nama dhabaa immoo

gatii kophee baaqqee cimtii tokkoof jedhanii in gurguru\*.

<sup>7</sup> Isaanoo mataa warra dadhaboo awwaara keessatti lafatti dhidhiitan;

warra gad qabamoos karaa irraa in daddarbatu;

maqaa koo isa qulqulluu xureessuudhaaf,

ilmis abbaanis dubartii ejjituu tokko bira in ga’u\*.

<sup>8</sup> Isaan iddoo aarsaa hundumaa bukkeetti immoo,

uffata qabsiisaaf fuudhan irra in ciisu; daadhii waynii warra adabaman biraa dhufes,

mana Waaqayyoo isaani keessatti in dhugu\*.

**2:6 “Israa’el”** Amos yeroo jalqaabatiif dhageefatoota yaada isaani kan argatee naannoo isa kan jiraatan diinoota irratti murtii labsuudhaan ture. Itti fufuudhaan immoo Israa’elooti obboolloota irratti murtii yeroo labsuu yemmuu ta’uu amma garuu murtii Waaqayyoo gara isaatti yeroo naanna’uu in naasise.

■ **“Isa tolaa horiif jedhee gurgureera’oo”** Edomi’aas irraa kan turee daldalaa garbaa ilaaluudhaan tarii kun Filiisxeemii fi (1:6) fi Nefoonikanees) 1:9 namoota biyyaa isaani garbumma itti dabarsanii waa’ee gurguruu isaani kan agarsiisu ta’a.

■ **“Gurguruu”** (BDB 569, KB 581, Qal INFINITIDE CONSTRUCT) kan jedhu jechii bifa lamaan ibsameera. 1) Garbummaatti gurguruun namoota booji’amaan yookaan 2) Namni tokko mata isa yeroo murta’eeti isa irra

liqefateetti of gurguruu. Ibsi kun uummaticha irra adda kan ba'aniif hiyyeesoota kan miidhaan abbooti qabeenya akka inni ceepha'uu ifaadha (Fakkeenya 14:31, 17:5).

Asi irratti "tolaa" kan jedhuu maqaan kan ibsamee "hiyyeessa" (lakk. 6), "hiyyeesoota" (lakk.7) fi "garamoota" wajjiin walcinaadha.

Kanaafiyyuu as irratti hiiki qabiyyee murteess akka danda'uu yaadadhu) kun uummatichaan malee ilaalcha Macaafa Qulqulluu hin qabu. Tolaa namoota Yaahiwwee fi seera isa wajjiiniin kan walitti waan ta'eef namoota biyyaa isaani sirritti hin qabu. Amos keessatti tolaa ta'uun kallaatti fi ilaalcha achi gadi qabu.

Jechi kun Hose'aa keessaatti callaatti amantii ta'e taa'eera (Macaafa Qulqulluu yookaan ilaalcha kallatti). (Hose'aa 2:19, 10:12, 14:9) haala dhiyeenya isaani hesed dhaaf (kana jechun amanamumaa kakuudhaaf) in dhiyaata. Sababii isaa dhiyeenya akka mana murti waan qabuuf tarii jechichi seera qabeessa mana abba murtii amansiisuuf humna kan hin qabne komatama kan argisiisu ta'a.

## **MATA DUREE ADDAA: TOLA (RIGHTEOUSNESS)**

"Tola" Barataan Macaafa Qulqulluu dirqamatti itti fufeenya kan qabu qayyabanaa dhuunfaa yaada isaarratti gochuu kan qabuu mata-dureedha.

Kakuu Moofaadhaan yaada Waaqayyoo kan ibsuu "sirriitti" yookaan "tola" kan jedhudha. Jechii Mesopotamiyaa mataan isaa kan dhufee qarqara bishaanitti shonboqoo yemmuu ta'uu keenyaani fi dal'aa safartuu dalgaa sirriitti meesha ijaarsati. Waaqayyoo sagalee Isaa ciigoodhaan amalaa mataa Isaatii fi waamamaa akka ta'uuf filateera. Inni sirrii kan ta'ee (saraartuu) fiixeedha, hundumtuu kan madaalamuu isaan. Yaada kana irraatti hunda'ee tola Waaqayyoo ibsa, akkasumaas murteessudhaa fi taayita qaba. Namni Uumamaa a isaatiin bifaa Waaqayyoo qaba (Seera Uumamaa a 1:26-27, 5:1, 3, 9:6). Ilmii namaa kan inni uumameef Waaqayyoo wajjiin tokkummaa akka qabaatuuf. Uumammii hundumtuu kan inni qophaa'eefi kan inni jiruu Waaqayyoodhaaf wal jijiruu ijoollee namoota jedhaameti. Waaqayyoo Uumamaa a jiraata barbaada, mucaa nama, akkaa beekkuu, akka jalatuu, akka tajaajiluu, akkasumaas isaa akka fakkaatan! Mucaa namaa amanamuumaansaa qorameera (Seera Umaama 3), kanaaf lamaanuu haadhii manaa fi abbaan manaa warii jalqabaa kufaaniru. Kunnis Waaqayyoo fi namoota gidduutti walitti dhuufenya jiruu baleesera (Seera Uumamaa a 3, Rom e 5:12-21). Waaqayyoo tokkummaa Isaa hareessudhaaf deebisuuf kakuu galeera (Seera Uumamaa a 3:15). kanaas kan inni godheef fedha Isaatiif ilmaasaatiin. Namooti isaa diigamee deebisuu hin dandeenye (Rom 1:18-3:20).

Kuufatti booda, taarkaanfiin Waaqayyoo inni jalqabaa, haraa'umsaa fi kan kakuu yaada kanarratti hunda'ee affeerasaatiin fi qalbii jijiraana ijoollee namaatti, deebii ajajamuu kan amaantiiti. Sabaabii kuufaatiin, namootni gochaa sirii raawachu hin dandeenye (Rom 3:21-31Gal 3). Waaqayyoo mataan Isaa ka'umsaasa fudhateera, war'aa kakuu cabsaan kan ta'aan ilmaan namoota deebisuudhaaf Kanas in godhe,

- A. Nama cubaammaa karaa hojii Kiristoos hojjeteen tolaa godhe labsu (kan murtii tolaaf)
- B. Bilisa kan kennamee tola namaa karaa hojii Kiristoosiin (kan kennamee tola)
- C. Akka kennamuu kan godhuu haafuuri tola uuma (amalaa gaarii tola) ijoollee namoota.
- D. Tokkumaan deebisanii ijaaruun Edeen Ganaati Kiristoosiin bifa Waaqayyoo deebise (Seera Uumamaa a 1:26-27) amantoota (walitti dhufeenya tolaa).

Haa ta'uuyyuu, Waaqayyoo deebi kakuu barbaada. Waaqayyoo deebisera (tola keennera) akkasumas in kenna, Ijoolleen namoota garuu dirqamatti deebi kennu qabu. Akkasumas deebi isaanitiin itti fufu

- A. Qalbii jijiranaa
- B. Amaanti
- C. Akka jireenyaan abbomaamuu
- D. Jabaatanii dhaabachuu

Tollii, isaa kanaaf kakuudha. Waaqayyoo fi Uumamaa jiraata giduu kan jiruu gochaa lamaan isaani. Innis kan irratti hunda'ee Waaqayyoo irratti.

Amala, hojii Kiriistoos, gargaarsa hafuurichaatiin, kunnis tokkoon tokkoon namaa dhufaasaatiin fi itti fuufeenyaan deebi sirri kennuun kan jirudha. Yaadni irratti hunda; ee" Amantiin tolaa ta'u" jedhama. Yaadni irratti hundaa'ee Macaafa Qulqulluu keessatti ibsameera. Haa ta'uu malee jechoota kanaan miti. Innis jalqaba kan mul'atee Phawuuloosiin yemmuu ta'uu innis jechaa Girikii "Tola" bifa adda addaan yeroo dhibba tokkoo ol gargaarameera.

Phawuuloosi barsiisaa leenji'ee waan ta'eef, Diikayosunee (Dikaaiosunee) dubbii jedhuu galumsaa Ibirotaatiin

SDQ SEPTU AGENT irratti hojii irra kan oole barrefama afaan Girikii kan hin ta'in. Barreefamoota Girikii jechii kan wal qabsiisuu Tolaa fi abdii Waaqayyumma uummatichaa biratti mirkanessudhaaf. Ibirootaan sirriin isaa yeroo hundumaa kan innii wal qabatuu kakkuu sagalicha wajjiin. Yaahiween firdii qajeela, Waaqa namuusaa fi tasgabiti. Innis sabi isaa amala Isaa akka calaquisisaan barbaada. kan Inni isaan bitaate Uumamaa a haara ta'aniruu. Bu'aan uuma kun garumaa jireenya haara agarsisaa xiyyeeffannoo tola Katolikii Rooma (Roman Catholic focus of justification). Isiraa'eel Tiyoookirasoota (Waaqayyoon kan bultu) waan ta'eef fooniin (barsifata uummaticha) fi qulqulluun (yaada Waaqayyoo) gidduu akkasumaas "tolaan" (amantaa waliin kan wal qabate) mallatto adda ta'ee hin qabu. Kun garagarummaan kan inni mulatu jechaa Ibiroota fi jechaa Giriikiitiin. Isaaniis gara afaan Ingilitti yeroo hiikaan "Firdii qajeela" (Uummaticha waliin kan wal qabate) akkasumaas "tola" (amantiin kan wal qabatee).

Macaafni Qulqulluun (misirachoo gaaridha) kan Yesuus, isaa kufee ilmaan namaa gara Waaqayyooti deebisudha. KanPhawuloos (Paradooks) kan inni ta'u, Waaqayyoo karaa Kiriistoos cubbuu ballessuu Isaati. kun argamuu kan danda'uu jaalala Waaqayyoof, haraarasaa fi ayyaanasaan yemmuu ta'u, jireenyaa ilma namaa du'aa fi du'aa ka'uu akkasumas hafuuraan gara Isaatti fudhachuuf harkisuudha. Tollii gochaa tola Waaqayyootiin haa ta'uu malee gaaruuma madisisuu qaba. Ejeennoon (Awugisxinoos) innis kan agarsiisu lamaanuu saati, jabinnii hara'umsa Macafa Qulqulluu bilisaatiif ciminaa Katoolikii Rooma jireenya jijirameen jaalalaaf amanammumaa irrattidha). Warra hara'uumsichaa fidaaniif jechuun "Waaqayyoo Tolaadha OBJECTIVE GENITIVE qabatamaati abba mirgaa ta'uu yeroo argisisuu (jechuun mucaa nama isaa cubbamaa Waaqayyoon simatamuu hojii godhuu ejjennoo qulqullumaa) Katoolikiin immoo abba mirgaa harkifamudha SUBJECTIVE GENITIVE,. Kunnis immoo adeemsa Waaqayyoon fakkaachuti (yaalii adeemsa qulqullumma)

Akka kooti Macaafni Qulqulluun waligalatti Seera Uumamaa a 4, Mula'ta 20 kan galmaa'ee Waaqayyoo tokkuma Hedeem akka deebisuufidha. Macaafni Qulqulluun tokkumma Waaqayyoof ilmaan namaa waan lafaatiin jalqaba (Seera Uumamaa a 1-2) akkasumaas bifuma walfakkaatuun Macafaa Qulqulluun yeroo raawatu (Mul'ataa 21-22). Bifa Waaqayyoo fi akkekaa Isaa fakkaata!

Yaada ibsa kanaan olii walitti qabuudhaaf akka itti fufee jiruutti dubbifama akka jechaa Giriikiitti ramadii kan agarsisaan ilaali.

    - b. Walitti dhuufenya cabe sababa irra kan ka'ee haarsaa cubbuu kan walitti dhuufenya nyaati hin jiraatu
    - c. Barbaachisummaa dhiigaa
      - (1) Waa'ee namaatiif iddoo haarsa irra ka'amaa
      - (2) Waa'ee Lubaatiif golgaa irra ka'ama
      - (3) Waa'ee angafa lubaatiif, waa'ee dhiifama sabichaatiif qadada irra ka'aama (Leewwi 16)
    - d. Aarsa cubbuu gosa lamaattu jira. Inni lammaa kan cubbuu yookiis kan irra daddarbaa haars jedhamee waamama kana keessatti inni miidhame fuudhame yookaan midhamee kan turee firoota isaa Israa'eliin haarressuudhaaf aarsa horii qabatee dhiyaata.
    - e. Dursee kan walitti qabamee yookaan ta'ii jedhee cubbuu godhamee haarsaan tokkoo iyyuu hin

jiru 4:1, 22, 27, 5:15-18, 22:14,

V. Aarsa adda addaa seera Leewwota

A. Seera Leewwota 1

1. Seera seensa “Waaqayyo Museetti dubbate” 1:1-2, 4:1, 5:14, 6:1,19, 7:22, 28
  - a. Kara irraa
  - b. “Yoom” lakk.2 kun dirqamaan utuu hin ta’iin fedhii agarsiisa
2. Haarsa gubatu lakk.3-14 (6:8-13)
  - a. Iddoo haarsa
    - (1) Iddoo haarsa sibilaa boraajji, haarsa gubatu dhiyeessuu jedhamee wamama balbalaa duunkana dura kan jiruu iddoo haarsa yookaan sibila boraji kan uwwiifame mukaa laaftoo irra hojetamee (Bau 27)
    - (2) Kunni iddoo qulqulluu kan jirtu haarsa ixaana (iddoo haarsa warqee) adda isa godha (Ba’u 30)
    - (3) Barbadaa naasii gara iddoo haarsa hixaanatti in geessa ture.
    - (4) Iddoon haarsa naasii seensa iddoo wal argee duunkana gidduu gara harka mirgaan ture.
    - (5) Iddoon haarsichaa baay’ee kutaa qulqulluu kan ta’ee gaafota qaba ture. Dhiiga gaafa isaa irratti in godhama. (Bau 30:10).
    - (6) Gaafoonni kun ta’uu kan qaban
      - (a) Haarsicha kan baatan fakkeenya harkaa
      - (b) Fakkeenya jabeenya yookaan fakkeenya baay’ina humna
      - (c) Boodarra kan iddoo haarsa gaafii isa kan qabe eenyu iyyuu dhimma isaa murtii shongoo amma ilaalamutti nageenyi isaa in eegama (Mootota isa duraa 1:50-51, 2:28).
  - b. Aarsicha
    - (1) Mudaa kan hin qabne dibbicha korma jalqaba kan dubbatame sababaa barbaachisummaa isaatiif gaatii isaatti (Lew 1:3)
    - (2) Kan re’ee yookaan kan hoola korma (Lew 1:10)
    - (3) Gugee horaa yookiin wucii gugee (Lew 1:14) (hiyeessaaf kan qophaa’e)
  - c. Haarsa gubatu bakka godoo duratti ture
  - d. Harka irra kaa’u kunni korma irra malee reeti yookaan hoola gugee yookaan wucii gugee irra in godhamuu (lakk. 4)
    - (1) Inni haarsa dhiyeessuu kana mata isaatiif godhate (dibbicha miti)
    - (2) Baay’een cubbuu kana fakkeenya dabarsuu ibsaa akka ture in yaadu
    - (3) Kan biroon kun maal akka ta’e yeroo dubbaatan
      - (a) Horiin kun kan inni dhufuu nama dhuunfa irra akka ta’e in dubbatu
      - (b) Haarsan kunni kan dhiyaatu maqaa isa dhiyeesutiin akka ture in yaadu
      - (c) Ijii haarsa kana horii sana irrattii harka kan irra kaa’u akka ta’e in yaadu
  - e. Qaluu
    - (1) Dibbicha “Gooftaa duratti” harka nama aarsa dhi’eesuutiin horii dhiyaate sana ajjeessu, gogaa isaa irraa baasuu fi nyaatamu qaba. Lubichii gochii isaa (dirree irratti kan godhamuu haarsa irraa kan hafe) kan jalqabuu namichii haarsicha iddoo haarsa yeroo inni dhi’eesuudha.
    - (2) Hoola yookiis reetii lakk.11 “iddoo aarsaa gara kaabaatiin jiru gooftaa duratti” kun isan kanaaf horii xiqqoo bifa addatiin kan qopha’eedha
    - (3) Simbiroota aarsa kana lubichii ajjeessee dhi’eesa. Inni dhi’eessu morma simbirootti kuta
  - f. Qabaa dhiigaa
    - (1) Horii
      - (a) Lubichii dhiigicha gara iddoo aarsatti faacasse, naannoo iddoo haarsaatis in faacase.
      - (b) Lubbuun horiichas dhiiga keessa jira (Uma 9:4, Lew 17:11) jireenyi duraan dursedhumaa kan Waaqayyotti kanaafiis namnii dhiiga Waaqayyoof akka kennatti dhi’essuu hin danda’u.
      - (c) Dhiigaa simbiroota iddoo haarsa irratti gogaa malee ibidaan hin gubatu
  - g. Qabaa foonii
    - (1) Dibbicha lakk.6

- (a) Nami dhiyeesse gogaa horichaa irra baasa. Lubichii gogaa kana eeguu qaba (7:8)
  - (b) Kan dhiyeesse bilitii bilitii isaatiin gargar qooda
  - (c) Lubichii akkuma horii sana jireenyatti yeroo jiraateetti akka teessuma bilitii sanatti godhee iddoo haarsa sana irra kaa'a.
  - (d) Miilli isaatii fi garaan isaa keessaa mi'ii gara isaatti saanii irratti micaamu irratti in miicuu turan.
  - (e) Lubichii guutummaa horii sana iddoo haarsa irratti gube.
3. Aarsa gubatu yeroo isaa
- a. Ayyana gudoo itti wal argee ayyana godoo
  - b. Guyyaa dhiifama cubbuu
  - c. Guyyaa kan angafaatii fi ayyana shantama
  - d. Guyyaa ayyana xurummaa
  - e. Guyyaa ayyana sosochii (Lew 23)
  - f. Guyyaa ayyanna faasikaa yookaan qixaa
  - g. Ayyana jalqabaa ji'a
  - h. Sanbata
4. Barbaachisuma haarsa gubatu
- a. Kennaa Waaqayyo
  - b. Baay'ee gatii akka qabutti haarsaan in mul'ata
  - c. Uma irra kan jiruu yaadi cubbuu yookaan galata wajjiin waan wal qabatu fakkaata
  - d. Yaadii haarsa bifa ifa ta'een argisiisa
  - e. Jireenya tokkoo bifa fakkeenyaatiin argisiisu
  - f. Tajaajila Waaqayyotiif jireenya nama dhuunfaa bifa ifaa ta'een dhiyeesu.
  - g. Sadarkaa haarsaa baasu
    - (1) Dibichaa
    - (2) Hoolaa' re'ee
    - (3) Simbiroota
  - h. Kun eenyu iyyuu fedhii hafuuraatiif gara Waaqayyooti akka dhiyaatu argisiisa. Waaqayyo nama hundumaaf qopheesu isaa in argisisa
5. Lubootaaf qajeelfama adda ta'e 6:8-12
- a. Haarsa gubatu halkan guutuu iddoo haarsa irratti ta'a
  - b. Haarsa gubatu irra jal'atti abiddi isa utuu gargar hin citiin bob'uu qaba
  - c. Qajeelfamii isaa uffanna Luboota in dabalata
  - d. Qajeelfamni isaa daaraa achii balleessu
- B. Seera Leewotaa 2:1-16 (6:14-23)
1. Seensa
- a. Boqonnaan kun waa'ee kennaa qulqulluu midhaani dubbata
  - b. Kennaa qulqulluun miidhaani jechii hundeen "kennaa"ture. Inni horii kan hin taanee yookaan kennaa midhaani jecha ogummaa ta'edha.
  - c. Boojuu boodee kennan miidhaani kan gubatu haarsaa fi haarsa fayinaa akka waan bakka guutuuf ta'ee barsisoonni baay'ee hiyessoota kan ta'an addan dhiyeessuu danda'uu jedhan.
  - d. Lak 18"19 fi macaafa seena 13:5 dabalataniis ashabo kakuu dubatame ture ashaboon faallaa bukooti kakuu Waaqayyotiif akka fakkeenyaatti hojii irra oole ture sababni isaa akka hin tortorreef yeroo hundumaaf akka jiratuuf
2. Kennaan midhaani dadhabii nama tokkoo Waaqayyof kennuu walitti qabate
- a. Inni yoo argeef nyaata uummataa Waaqayyof an kennu haarsa ture
  - b. Inni waluma galatti bakka guutuuf ture (keessumatii boojuu boode yeroo turan) kan gubatu yookaan kenna fayina
  - c. Haarsan lubootaaf Waaqayyo kan qopheesse ture. Hundumaa isa keessa xiqqoo duwwaa yaadannoof in dhiyaata ture
  - d. "Yaadannoo" jechii jedhuu kutaa haarsichaa yookaan hundumaa Waaqayyo duratti mkutaa dhiyaate kan ilaalatudha.
  - e. Kan kakuu haara kennaa qulqulluu yaada akka "yaadannoo" akka ta'u Kakuu Moofaa kana

- yaada isaa argisiisa
- f. “Qulqulluu kan jedhuu fi “baay’ee qulqulluu jechoota jedhan giddutti garagarumaa jiran  
 (1) “Qulqulluu” lubootaa fi maatiin iddoo qulqulluu kamitti nyaachuu in danda’u  
 (2) “Baay’ee qulqulluu” luboota duwwadhaan godoo wal argee duratti nyaatamuu in danda’a
3. Gosoota
- a. Daakuu gaarii (soreessaaf), 2:1-3
- b. Kan tolfameef yookaan immoo keekii, 2:4-11
- c. Kan aka’amee fi kan qolli irraa ba’ee kichuu midhaani (hiyeessoota), 2:12-16  
 (1) Daakuu gaarii irraa aarsa caalu ture. Daakuu qamadii isa gaarii ture.  
 (2) Kan tolfamee  
 (a) Daakuucha keessa zaayitiin tureera.  
 (b) Hitooniin kan tolfamee ture. Lakk.4  
 (c) Eelle irratti kan tolfame lakk.5  
 (d) Karkarsuun kan biilchaate lakk.7  
 (3) Ibbidaan kan akka’amee fi kan qolli irra ba’ee qamadii yookaan kichuu boqolloo  
 (a) Hongee jechuu qaba  
 (b) Ququnxurachuu qaba  
 (c) Keessumootaaf akka nyaata qophaa’eeti
4. Of keessatti kan inni qabate
- a. Daakuu gaarii mudaa kan hin qabne horii dha wajjiin walitti dhuufeenya qaba
- b. Zaayitiin fakkeenya eebbaa waan tureef kanaafiis argamuu Waaqayyoof fakkeenya ture  
 (1) Nyaataafiis aarsaafiis, qorichaafiis, dibaataaf in tajaajila ture.  
 (2) Tarii bu’aan dibataa haarsaa dibataa hanbisuuf ta’a
- c. Hixaani Hidii irra yookaan Arabaa irra ture  
 (1) Baay’ee qulqulluu fi foolii aja’ibsiisa akka qabuttii ilaalama  
 (2) Kadhataa fi galata argisiisa
- d. Ashaboo  
 (1) Tursuuf jireenya kennuuf dandeetti kan qabu  
 (2) Yeroo baay’eef tursiisuuf utuu hun ta’iin nyaataaf tajaajiluu danda’a
- e. Keessatti wantoota hin dablamne  
 (1) Raaccitiin hin seenu lakk.11  
 (a) Sababii isaa bukkeessuu waan danda’uuf ta’a  
 (b) Raacitiin waan tortoruu wajjiin wal fakkaata  
 (c) Anga wajjiini fi lubaaf dhiyaachu danda’a  
 (2) Dammi hin seenu  
 (a) Dhuugaati minyaa’aan fuduraa irratti malee damma kanisaa irra miti  
 (b) Tarii seera Kana’aanootan hojii irra kan oole waan tureef ta’a.
5. Seera haarsa
- a. Gara lubaatti kan dhiyaatu ture seera hunduma inni in qaba. (2:2, 9,16).
- b. Aarsicha irraa iddoo qulqulluutti lubaan in nyaatamaa ture. Baay’ee iddoo qulqulluu ture.
6. Barbaachisummaa isaa
- a. Gadii irraa isa oliittiif dhiyaata
- b. Hangaa murtaa’e kan mata isaa irraa gubuun name tokkoo gocha isaa irraa qooda murtaa’eef Waaqayyoof kennu isaa bakka bu’a.
- c. Hiika ifaa  
 (1) Aarsaa gubatu- jireenya nama tokkoof kan kenname  
 (2) Kennaa midhaanii haarsaa-gocha nama tokko guyyaa guyyaan kenname.
7. Kennaa aarsa midhaani 6:14-23
- a. Iddoo aarsaa duratti in dhiyeessu
- b. Hojeetaan Waaqayyoodhaaf kenna dhiyeesa garuu dhugummaan isa yoo ilalamee bu’a lubootaatiif
- C. Lewwota 3:1-17 (7:13-34, aarsa fayyina
1. Seensa

- a. Maaliif
    - (1) Aarsa wali wajjiin
    - (2) Aarsaa kakuu
    - (3) Aarsaa tokkummaa
    - (4) Aarsaa xumuraa
  - b. Waaqayyo irraa, maatiidhaaf hiriya irraa wajjiin tokkummaan jiru sababa galata Waaqayyo argisiisa.
  - c. Aarsaan itti fufeenya kan inni godhamuu haraara irratti hunda'ee kan ture gocha dhuma akka ture kan baratameedha
  - d. Aarsaan gubtuu jalaallan aboomamu argisiisa aarsaan fayyina garuu Waaqayyoo wajjiin tokkumma gochuuf gammachuu qabnuufi gammadu argisiisa
  - e. Mudaa malee kan ta'e dhalaa yookiis kormaa
  - f. Aarsaa adda addaa
    - (1) Simbiroota keessaa dhalaa yookiin korma
    - (2) Hoolotaa fi re'oota giddu garagarummaan godhame diboo hoola cooma qabu sababa ture
      - (a) Karaa ilmoollee-dhalaa yookiin kormaa
      - (b) Karaa re'oota- dhalaa yookiin kormaa
2. Waanta yeroo hundumaa hojjetamu
    - a. Haala aarsa dhiyeesu
      - (1) Aarsicha irra harka in kaa'a
      - (2) Godoo wal argee balbala dura kaa'a
      - (3) Aarsicha adda baasuuf haarsa gubbatu wajjiin gosa tokkoo ture
      - (4) Naannoo iddoo haarsatti dhiiga faacassuu
      - (5) Iddoo fillatamaa iddoo haarsa irratti gubuu
        - (a) Cooma (hoolonni diboo waan qabaniif) eebba agarsiisa
        - (b) Kalee, tiruu, kutaa tiruu miiraa fi fedha ta'uumsa fakkeenyaan argisiisa
        - (c) Kutaan garii cooma isa dhiyeesuun kan gubatuu haarsa irratti yookaan ganama haarsa ilmoo irratti in godhama.
    - b. Aarsa galataa kan walitti qabatuu (7:11-14)
      - (1) Zaayitiidhaan kan sukkumamee qixaa
      - (2) Zayitiin kan dibaamee qixxa haphii
      - (3) Zaayitiin kan sukkumamee daakuu gaarii
  3. Qooda Lubichaa, 7:28-34
    - a. Lubichii lukkichaa in sochoosa
    - b. Sochoosuu isa harka ittiin aarsicha dhiyeesuu lubicha irra kaa'udhaan xumura. Aarsichi Waaqayyof dhiiyachuu isaa akkasumas Waaqayyoo karaa harka lubichaa fudhachuu isaa argisiisa.
    - c. Lukki mirgaa lubichaaf in kennama
    - d. Kenna ka'umsaaa gara Waaqayyootti ka'uudhaan lubichii deebise in fudhata
  4. Qooda isa haarsa dhiyeese 7:15-18
    - a. Galataaf kan ta'uu foon aarsa fayinna guyyaa inni dhiyaatu in nyaatu lakk.15
    - b. Kennaan haarsichaas kan wareega yookan fedhaan yoo ta'e aarsichi guyyaa inni dhiyaatu in nyaatu isa irra kan hafees yeroo bari'uu haa nyaatan lakk. 16
    - c. Isaan kun hundumtuu Waaqayyof kan kennaman utuu in ta'in Waaqayyo lubichaaf kan kennudha
    - d. Aarsa kana keessatti fakkeenyumma isaatiin Waaqayyoo isa dhiyeesura fi maatii isaati wajjiin akkasumaas hiriyoota isa wajjin in nyaata
    - e. Aarsaan kunni kan hara'ee tokkummaa fi walitti dhuufeenya cimisa
- D. Lew 4:1-5 : 13 (6:24-30) haarsa cubbuu
    1. Seensa
      - a. Dhiifami kunni inni guddaan haarsa jalqabaa isa ta'ee ture
      - b. Aarsaan kunni namaaf Waaqa gidduutti kakuu jiruu irra deebi'e hareessa tokkuma hareessa
      - c. Aarsan kunni kan inni of keessatti qabatu

- (1) Utuu in beekiin cubbuu raawwataman
  - (2) Akka tasaa cubbuu raawwataman
  - (3) Miiraan cubbuu raawwataman
  - (4) Dogogoraan cubbuu raawwataman
  - (5) Ta'ii jedhe Waaqayyoo irratti ka'uudhaan cubbuu raawwataman dhiifama hin argatu. Utuu baekani calumma jechuudhaan itti yaadame cubbuun godhamuu haarsa hin qabuu (Lak 27-31).
2. Hiika
- a. Aarsaan kunnii waa'ee cubbuutiif waa'ee irra daddarbaa adaba in haqa
  - b. Kunni kara ayyannaa Waaqayyootiin ayyanna akkasumaas kara namaatiin amanta in barbaada
  - c. Shaakalan aarsan ta'uu seera aarsa ta'uu qofa wanti argamuu hin jiru. Haarsa. Gochaa isaa duubaan haarsicha kan dhiyeessuu amantii isa barbaachisadha.
  - d. Hayiniim, aarsichii isa dhiyessuu irraa barsiifata seera namuusaati ol ture isaaf waan tokko godha. Waaqayyo giduu kan jiruu kakuu deebise haareessa.
  - e. Namusaam eeguun beenya Waaqayyoodhaan kennamuu ture male amantii nama dhuunfa bakka kan bu'u hin ture.
  - f. Amantaan Waaqayyo isaa wajjiin kan hin taane amnatiin kami iyyuu namuusa eeguun hin morma Isa 1:10-20, Amos 5:21-24, Miikiyas 6:6-8
3. Yeroo hunduma kan raawwatamu
- a. Angafa lubaa lakk 3-12
    - (1) Angafa lubaa- lubaa dibamaa
      - (a) Sabicha kara dogogoraan geggeessu, cubbuu
      - (b) Uumamaani cubbuu
      - (c) Angafa lubaa, kan uummaticha bakka bu'aa jireenya hafuura ta'a. Cubbuu yoo godhee, hundumtuu isaan cubbu godha. Yihudoonni adba wali gala irratti kan isaan qaban ilaalchi isa kana ture (Iyyaassu 7, Rom 5:12)
    - (2) Duraa booda
      - (a) Angaffii lubichaa dibbicha mudaa hin qabne gara iddoo haarsaatti
      - (b) Mataa isaa irra harka isaa kaa'a
      - (c) Angafichi lubaa horicha in qala
      - (d) Angafichii luba golgichaa duratti altorba faacasa
        - i. Kun godoo wal argee qulleessa
        - ii. Fakkeenya isaatiin gara karaa Waaqayyo bana
        - iii. Gaanfa haarsa hixaana irratti dhiigicha irra in godha
        - iv. Aarsicha irraa kan hafee iddoo haarsa jalatti dhangaalasa
      - (e) Hundumtuu iddoo aarsa irratti dhiyaata
      - (f) Dibbichichaa irra kan hafee hundumtuu safaricha irra gara alaatti daaran iddoo dhangala'uutti gara iddoo qulqulluutti in geefama muka irratti abiddaan in gubama. Daaran iddoo dhangala'utti in gubata. Lakk.12
  - b. Walitti qabamaa lakk.13-21
    - (1) In sodaatinaa kan jedhuu ajajii yoo irra darbani 13-21
    - (2) Duraa booda isaa
      - (a) Jaarsolliin walga'icha dibbicha mudaa hin qabne in dhiyeesu
      - (b) Jaarsolliin walga'ichaa harkaa isaani mataa dibbichicha irra in kaa'u
      - (c) Jaarsolliin gubaa'icha dibbichichaa in qalu
      - (d) Dibbichiis quba isaa dhiigicha keessa in cuuba golgaa fuula duraatii ala torba in facaasa.
        - i. Kun godoo wal arge qulleessa
        - ii. Fakkeenya isaatiin karaa Waaqayyo bana
        - iii. Gaanfa haarsa hixaana irra dhiigicha irra in godhama
        - iv. Aarsicha irraa kan hafee iddoo haarsa jalaatti in dhangalaasa.
      - (e) Hundumtuu iddoo haarsa irratti dhiiyata
      - (f) Dibbichichi irra kan hafee hundumtuu safaricha irra gara alaatti daaran iddoo dhangala'uutti gara iddoo qulqulluutti in geefama muka irratti abiddaan in gubama.

Daaran iddoo dhangala'utti in gubata. Lakk.12

- c. Geggeessaadhaaf l;akk.22-26
- (1) Geggeessaadhaaf (bitaa) lakk.26
    - (a) Geggeesa gosaa
    - (b) Uummaticha keessatti itti gaafatummaa kan fudhatuu
    - (c) Jaarsa
  - (2) Duraa booda
    - (a) Geggessichi mudaa kan hin qabne kormaa reeti aarsa dhiyeessa
    - (b) Mataa reetiicha irraa harka kaa'a
    - (c) Horicha qal'a
    - (d) Lubichiis aarsa cubbuu irraa dhiiga quba isaan fudhatee gaafa aarsa irra kaa'a
    - (e) Coomi isaa hundumtuu iddoo aarsaa irrattii gubataa
    - (f) Luboonnis kan irraa hafee in nyaatu
- d. Dhuunfaadhaaf lakk.Dhuunfaadhaaf lakk.27-35
- (1) Dhuunfaan akka cubbuu hojettee yoo beekke isaan aarsaa kana gochuutu irra jiraata.
  - (2) Duraa duubi isaa
    - (a) Namni dhuunfaan, re'ee dhalaa yookaan hoola fida
    - (b) Namni dhuunfaan harka Isa aarsa cubbuu mata isaa irra kaa'a.
    - (c) Namni dhuunfaan aarsa cubbuu sana in qala
    - (d) Lubichiis dhiigaa sana irraa quba isaatiin fudhatee aarsa gubaatu sana gaanfaa iddoo aarsa irra jiru irra kaa'a
    - (e) Cooma isa hundumaa in fudhata
    - (f) Lubunno kan irraa hafee hundumaa in nyaatu
- e. Aarsaan cubbuu kan inni amattu haali adda 5:1-13 (isaan kun akka tasaa fi osoo in beekiin kakuudhaani kan walitti hidhaman qaaman kan raawwatamee cubbuu kan of keessatti qabatuu fakkaata
- (1) Ragaan dhufee yoo dhugaa itti in b'u ta'e (ragaan in kennamu yoo ta'e) 5:1
  - (2) Horii xura'aan yoo cininee
  - (3) Namni xura'aan yoo xuqee 5:3
  - (4) Utuu hin beekiin yoo kakatee 5:4
  - (5) Kanaa olitti cubbuu jiran
    - (a) Re'ee dhalaa yookaan hoola
    - (b) Ijoolle gugee lamaa yookaan gugee
    - (c) Daakuu gaarii safartuu eefaa 1/10
- f. Baratama aarsaa cubbuu 6:24-30
- (1) Lubni kan irraa hafee nyaachuu in danda'a
  - (2) Dhiignii wayyaa yoo tuqee wayyichii micaamuu qaba
  - (3) Dhiigichii supheerirraa kan hojeetamee yoo tuqee qoddaan sun cabu qaba
  - (4) Dhiigichi qodaa sibilaa boorajjii yoo xuqee qodichii miicamuu qaba.
  - (5) Aarsaan gubamuu dhiigii isaa gara qulqulluu qulqullootaatti kan fudhatamuu yoo ta'ee foonichi gubachu qaba luboonni akka nyaataniif hin hiyamamneef
- g. Barbaachisummaa aarsaa cubbuu
- (1) Utuu beekanii cubbuu hojeetameef aarsaan hinjiruu akka tasaatiif utuu hin beekiin cubbuu raawwatamee qofaaf 5:15,18
  - (2) Dhiifami maal of keessatti qabata
    - (a) Qoodi namaa amantii
    - (b) Qodii Waaqayyoo harara
- E. Lewwota 5:14-19 cubbuu yookaan aarsaa irra daddarbaa
1. Seensa
    - a. Garuu aarsaan cubbuu cubbuu godhamee wajjiin wal qabata, aarsaan cubbuu immoo kakuudhaan kan wallitti hidhatani wajjiini miidhaa raawwatamee irrattii fi beenya ta'uuf baasuu wajjiin wal qabata ture.
    - b. Aarsaan cubbuu baa'y'ee wal fakkaata ture



- c. Mirgii nama dhuunfaa abboommi kurnan (Ba’u 20, Kes 5) irratti tarreeffameera.
  - (1) Mana
  - (2) Walitti qabama waan gaarii
  - (3) Jireenya
- d. Aarsaan kunni kan inni irratti xiyyaafatuu obboollota keenya irratti cubbuu raawwatamee fi miidha isaa 1/5 gatii ol beenya kaffalluudha
- 2. Aarsaa kan barbaadan cubbuu
  - a. Waaqayyo irratti yookiis mataa isaa irratti
    - (1) Angan
    - (2) Angaffa 14-16
    - (3) Kurnoo
    - (4) Dogogoraan kenna kennamee
    - (5) Kennaa gatii wayyuu qabuu
  - b. “Namni yoo cubbuu raawwateef akka hin gooneef Waaqayyoo kan isaan dhowee wanta kamiin illee yoo godhee utuu in beekiin amma ammatiis inni cubbaadha. Cubbuu isaa akka baatuuf in ta’af.
- F. Kan durrii haarsaan dhiiyata kan turaan
  - 1. Waaqollii dheekamanitti hararamuuf
  - 2. Waaqayyoolli nyaachisuuf
  - 3. Waaqayyolli wajjiin tokkummaa uumuuf
  - 4. Waaqayyoolli galateefachuuf
  - 5. Dhiifama argachuuf yookaan haraaraf

■ **“Gaanfii aarsaa hin cabuu”** isaan gaaffoonni kunni argisiisuu kan isaan danda’an 1) gaanfa horii humnaa fi akka fakkeenyaati (fakkeenyaaf Er 48:25, Daani’eel 8:7, Zak. 1:18-20) yookaan 2) Aarsaan sun Waaqayyoodhaaf olqabamee akka turee fakkeena agarsiisa. Aarsaan sunni dhiiga horii fudhatamee gaanfa sana irratti dibama. (Bau 29:12, Lew 8:15). Kunni kan waaqatolfamaa waaqeffannaa dhiifama cubbuu cbbuun sun jireenya kan gaaafatu akka ta’e argisiisa. Dhiigii jireenya fakkeenyaan argisiisa (Lew 17:11,14). Kanaafiis isaan gaaffoni kun kan aarsa baayee kutaa qulqulluu turan Goochimni kun kanaafis ta’u kan qabu 1) Aarsaan isaani jabina hin qabu yookaan 2) Isaan gaafonni kun akka iddo fayinnaati tajaajila waan turaniif (Baa’uu 21:14 fi bifa adda ta’een Motoota isaduraa 1:50, 2:28 keessaatti tarreefamani akka jiran). Amma garuu iddoon fayinnaa ta’u hin danda’an.

**3:15 “Kan gannaatii fi kan bona mana nan rukkuta ilkaan arbaan kan dhoobaman mana”** Goochimni kunni kan isaan argisiisan 1) Gosa baay’ee manoota abboota qabeenya agarsiisa (Fakkeenya tokkoo kan Aka’aab bakkoota lamaan mootota isa dura 21:1,18, NJB “manoota gurguddoo baay’ee”) yookaan 2) mana meeshe lamaa, mana lafa gannaaf irra keessa isa bonaaf akka tajaajili (TEV, “manni guddaan kam iyyuu”). Isaan kana keessa baay’eebn isaani ilkaan arbaatiin kan ijaaraman turan (fakkeenyaaf, in barreechuu, Motoota isadura 10:18, 22:39) Ergaan Gibxii fi Assor. Israa’el mataa ishee 1) meeshawwaan 2) waaqa tolfamaan mata ishee gatteti.

■ **“Manooti gurguddaan in diigamuu”** hiikii Sabtuwaaajeenti (manooti kan biraan hundumtu kan jedhu hiika qaba). Jechii Hibirootaa (BDB 912 I) (1) “Guddaa” yookaan; (2) “Baay’ee” jechuu danda’a. Goochimni kkunnii mana addaa osoo hin ta’in guduunfa himaa fakkaata.

■ **“Jeda Waaqayyo”** olitti lakk. 11 irraatti kan jiiaran qabsiisa ilaali. Bakka kanatti kutaa Amos keessatti ergaan tayitaaa Waaqumma kun akka kanatti yookaan gaalee wal fakkaatuun utuu gargar hin cittiin itti fufa 3:1,5,6,8,9,10,11,12,13,15; 2:1,3,4,6,16; 4:3,5,6,8,10,11; 5:17 ilaali).

# AMOS 4

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Adabbii Cubbuu Israa'eel (3:9-4:5)	Cubbamtummaa Israa'eelii fi Adabbii Waaqayyoo (3:1-6:14)	Guyyaa Hamaa Samaariyaa (3:9-4:3)	Israa'eeliif Akeekkachiifinii fi Sodaachifini kennameef (3:1-6:14)
	Qannoo Irraa Hafaa Israa'eelii fi Amantii waa'ee hin baafne 3:1-2	3:12-4:3	Dubartii Samaariya Irratti
4:1-3	4:1-3		4:1-3
		Barachuu dadhabuu Israa'eel	Of gowwomsuu Israa'eel mata jabeenyaa fi adabbii
4:4-5	4:4-5	4:4-5	4:4-5
Israa'eel Of sirreessuu hin dandeenye 4:6-11	4:6	4:6-11	4:6-11
	4:7-8		
	4:9	4:9	4:9
	4:10	4:10	4:10
		4:11	4:11
	4:11		4:12
4:12-13	4:12		Galata
		4:13	4:13

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### Amos 4:1-3

<sup>1</sup>Isin yaa giiftolii, warra akka saawwan biyya Baashaan tulluu Samaariyaa irratti gabbattanii, warra dadhaboo immoo cunqursitanii, warra wanta barbaachisaa dhaban caccabsitanii, abboota manaaa keessaniin “Dhugaatii as fidaa, in dhugnaa!” jettanii dubbii kana dhaga’aa\*!

<sup>2</sup>Waaqayyo gooftaan qulqullummaa isaatiin kaktee,

“Kunoo, guyyaan itti hokkoodhaan isin harkisanii,

warra isin harkisanii, warra isin booddees hokkoo qurxummiitiin baasan in dhufa.

<sup>3</sup>Adduma addaan qaawwa dallaa fuula keessan dura jiru keessa in baafamtu,

gara tulluu Hermoonittis in daddarbatamtu” in jedhe; Waaqayyo kana dubbateera.

4:1-13 Qabiyyee boqonnaa kana hubadhu.

1. Ammos dubartootaa soreeyyoollii Israa’el ilaalchisee in dubbata, hawaasa Israa’eel hundummaa qaama saamicha lakk1-3
2. Yaahiwween amantii isaani ilaalachiise deebii hadha’aa in kennee lakk.4-5
3. Kan Yaahiwwee Seera Kes 27-29 irratti abarsoota jiran dabarsuudhaaf, haa ta’uu malee ammas tanaan qalbii jijjiirachuu dhiisuun isaani lakk.6-11
4. Yaahiwween sadarkaa nama dhuunfaatiif waligala hawaasichaatti akkekachisa inni kennee lakk.12
5. Kan Amos waa’ee uumu isaatiif murtii qajeela kennuu isaa Waaqayyoodhaaf galata dhiyeessuu isa lakk.13

Kun ibsa wali gala kan nu agarsiisuu kan raajoota ergaa walaloo sakkata’uun ammam rakkisa akka ta’eedha. Raajichi yeroo dubbatu yaada kenna jiraachuu isaatiif ergaa Yaahiwween kenne akka ibsaa jiru adda baasun baa’ee rakkisadha. Ibsi ergichaa baay’ee cimaa ta’uu isaa irraan ka’ee jechii raajicha jechaa Yaahiwwee wajjiin kan wal make ture. Ergicha tarreessuu caalaa wali gala ergicha miira warra dubbisani irratti jijjirama fiduu ilaaluun caala bu’a qaba.

**4:1 “Dubbii kana dhaga’aa”** gochimaa BDB1033, KB 1570) Qal IMPARATIVE dha (3:1 irraatti qabsiisa jiruu ilaali). Gochamichii dabalataniis 5:1 irratti hojii irra ooleer. Kan akka kana ibsi raajoota yeroo baayee Amos keessaatti dubbatama. (Fakkeenyaaf 3:11, 4:1, 5:1). Kunni Waaqayyoo saba isaatiif ergaa inni ergeedha. Kakuu irra daddaarbuun bu’aan isaa murtii kakuutti. (Kes 27-29).

■ **“Saawaan Baasaan”** kunni amos isaanitti akka toluuf jedhaanii hiyeesoota kan miidhaan barreedoota dubartoota hawaasicha cepha’uuf kan itti fayyadameedha. Baashaan haroo Galiilaa kaaba lixaatiin gaaraa Hermaan haggaa bishaan Yarmuuk bakka jiru tur. Bakki kunni kan barreedaa (kan gabbifaman) horii kottee duuda bakka beekaama ture (kana jechuun haadha abboota qabeenya). Kun gadhee(faalla isaa) hima miti haa ta’uu malee gaaaritti kan qabamaaniif gaariittii kan nyaatan fedha kan baassan horii kan ibsuu hima dhokataa ta’uu danda’a. fedhaa kan baasu hunma hiyeessa saamuudhaan bu’aa argamu ta’e ture (BDB 195) kara biraatiin immoo qalamuuf kan qopha’aan horii gabbifammoo argisiisuu danda’a. Amos horii eegu isaa irra shaakala argate irraa dubbi dhokaataa baay’ee gargaarama.

Ammas taanan hiika dabalataa fillannoo qabna. Kunnis mudaa kan qabu hirihumaa qunaamtii saala argisiisu

1. “Haadha manoota” jedhamani kan wamaman
2. Gaara Samariyaa irratti kan jedhamuu (Beeteelitti kan dhaabatan iddoo aarsaa kan argisiisu ta’u danda’a)
3. Dhiironni isaanni “abbaa manaa” jedhamani hin waamaman haa ta’uu malee “gooftaa” jedhamanii waamamu (Lakk.10)
4. Saawwaan Israa’el ishee duraaf Gibxii kan baay’inaatiif kan jabina soba waaqa tolfamaa kan ilaalachiisuu ta’e in argama ture. (Bau 32). Saawwaan kun Ba’aaliif mallattoo ta’ee ture (kana jechuun Daanii fi Beeteel kan turan fakkeenya warqee gafarsaa).
5. Kara biraatiin 2:7-8 keessaatti ejjituu waaqessuu (itti deddeebi’uu) gocha kana dubateera. Waaqayyo ququllummaa isaatiin kakatee 2:7 argisiisu danda’a .

■ **“Gaaraa Samariyaa”** kunni gaaritti kan qophaa’e magaal gudditti Israa’el isa dirree walqixxaa irratti Omriin ijaare argisiisa. Jechi kunni gara daaritti sadarkaa fudhatuu kan turan yeroo ta’uu karaa guddaa galumsa tokkoo qofa qabu.

■ **“Hiyeessota kan miitan rakkatoota kan dhiphifan”** isaan lamaan kun *Qal PARTICIPLES* (BDB 798, KB 897 fi BDB 954, KB 1285) wal qabaata kan qabuu yemmuu ta’uu haadha manoota abba qabeenya gocha isaani ibsa. Yaahiwwen haala addaatiin (kana jechuun, warra kabiraa irraa warra bahaa dhi’oo durii seera kan qopheessani wajjiin wal biraa qabuudhaan namoota kana irraatti waa’ee kakuu turee dhiphachuu isaa (tokkootti Kes “ijoollee haadhaa fi abbaa hin qabne” abbaan manaa kan irraa du’ee kan hin beekamne 10:18, 14:29, 16:11, 24:14, 17, 19, 26:12,13,27:19) kun seera Museettif kan biraa ka’umsa kan kennuu ture. Raajonnoi eebbaa isaaniiti fi abaarsa isaani wajjiin qal qabsiisuun kan Musee seera kakuu (Er 7:6) akka eeganiif irraa deddeebi’ee in beeksisa malee seera namuusa haara hin uumne yookaanis hin beekisfne turan (kanajechuun Kes 27-29) .

■ **“Gooftollii isaaniis”** jechii kunni abbaa manaatiif kan baratamee ibsa hin ture. Jechichii irra hin deddeebi’amnee hiika durii yemmuu ta’uu “Gooftaa” (BDB 10) jechudha. Isaan kanaa irratti garuu”abbaa manaa” miiraan kan dhiyaate (Fakkeenyaaf seera uumaa 18:12, Abboota firdii 19:26-27). “Gooftollinis” abbomooto irra daddarbanirruu kanaafiis sookoon jechaa asi irratti mul’ateera.

■ **“Fidaa, in dhugnaa kan jettan”** Goochimni kun ajaja gochumaa lama qaba. (BDB 97, KB 112 Hiifaal IMPARATIVE fi BDB 1059, KB 1667, Qal COHORTATL). Dubartoonni kun dhuguudhaa fi miira isaani dheebuu baasuun gocha isaani baratamee yemmuu ta’uu jireenyi isaani haala itti toleen kan ta’ee ture. Geggeesumaan dubartoota kana “baasi kamiin illee anaaf irra deddeebi’ii buusii” jechuun isaa in hafu ture.

**4:2 “Waaqayyo gooftaan qulqullummaa isaatiin kakateera”** gochamiichii (BDB 989, KB 1396) Hiifaal PERFECT dha. Kunni Waaqayyo mata isaatiin kan kakatee baay’ee kan in dubbatamnee fi hima baay’ee sodaachisa ture. (6:8, Fara 88:35). Yaahiwwen Waaqa namuusa eeguudha. Jallatamuu fi tokkumma dhugaan Waaqayyo wajjiin duwwaa utuu hin ta’in kan barbaachisu kan biro biyyoota kakuu wajjiin barbaachidha. Amantii Macaafa Qulqulluu dhugaa amala achi gadii (Waaqayyo) fi amala sirri (kan biro) qaba.

■ **“Guyyaaan fudhatan egaa isiin irrattii in dhufaa”** kunni guyyaa murtii agarsiisa. 2:16 irraatti qabsisa guutuu ilaali. Kun kan argisiisu 1) “Guyyaa sanatti” 2:16, 8:3,9,13, 9:11 fi 2) “Guyyaa Waaqayyo” 5:18 fi 20 keessatti akka jirutti. Jechii kunni dura raajootan kan beekameedha. Israa’eel Yaahiwwedhaan yaadatamuu eebba Waaqayyoo guyyaa itti fudhatuu akka ta’e in ilaalti, haa ta’uu malee Amos guyyichi dheekamsa Waaqayyo fi murtii kan ibsu akka ta’e ilaala.

■

NASv	“Foon kiyyoo: kan qurxummii kiyyoo”
NKJV	“Kan qurxummii kiyyoo kan qurtummii kiyyootaa”
NRSV	“kiyyoota :Kan qurxummii kiyyoota”
TEV	“Kiyyoota: kiyyoo irra kan jiruu qurxummii”
NJB, Young’s lit	“Kiyyoota: kan qurxummuu-kiyyoota”
JPSOA	“Shaatota keessa...kan qurxummii shaatota keessa”

Jechii jalqabaa (BDB 856 I KB 1036) “Kiyyootaa” Kakuu Moofaa keessatti kan argamuu iddoo kana qofa irratti jechii kunni Hibiroota irraa “caafii qara” “cuuphee” yookaan “eeboo” jecha isa duraa wajjiin kan deemu fakkaata. Dhugummaatti isaan hawasoonni kun dubrtooti isaani, ijoolleen isaani loltuu Asooriin kiyyoon hidhii isaani isa gadii irratti godhamee qulla isaani (Sabtuwajenti) hundumti isaani walitti hidhamanii akkuma kara horii magalaa keessa hoofamaa akka ba’an in godhama ture Jechii lamataa (BDB 186, KB 215) meesha qurxummii qabu tokkoo wajjiin kan adeemudha. Sababii isaa “kiyyoon” wajjiin wal qabatee waan deemuuf. (Er 16:16) “Qurtummii qabuun” kan murtii hasaa ‘a dhokkata godhee itti fayyadameera. Jechichii jecha dhokkatadha yookaan kallatiidhaan kunni waa’ee lakkoofsa namni tokkoo gaafachuu kan danda’uu gaaffidha. Asoor kiyyoo yookaan hidhii isa gaditti amantii godhamuu fayyadamuudhaan baqatoota gara biyyaa isaanitti yeroo deebisaan akka sodachisuutti lakka’uudhaan wal qabsiisu turan (Sen isaa 2 33:11 Asoorii fi Ibiroota 1:15 kan Babiloon).

REB jecha lamman bifa adda addaatiin hiikeera . Inni jalqaba akka “uwisa” yeroo hiikamuu kunni maxansa durii jecha isaa kan hiikani wajjiin kan wal fakkaatudha.

1. XXX - “meeshaa waraanna”
2. Peshitaan - “meeshaa waranna”

Jechii lamman “shaatii qurxummii” jedhamee hiikama (Macaafa Qulqullu hiika NET ilaali). (XXX “uuroo bulluqaa” hiika jedhu qaba. Jechi Ibiroota inni guddaan baay’ee kan hin baratamiin waan ta’eef hiika isaa irratti sirritti beekuun hin danda’amu. Haa ta’uu malee seena qabeessaa fi qabiyyee barreefama isaa eeguudhaaf jecha guddaa walfakkaataa fi jechummaa kana irra kan argamee bu’a jechaa irraatti akka oolu godhameera. Dubbii guddaan garuu jeeqamsaa fi ibsa sodaachisa ture. Anaaf garuu dubbifamichi kan inni dubbatuu waa’ee “saawwaa baashaan” waan ta’eef akkasumas immoo amos jireenya badiyyaa kan dabarsee waan ta’eef jechii isaa horii tiksuu wajjiin kan adeemu fakkaata. Amos jechii dhokaata isaa jijjiree ta’uu danda’a haa’ ta’uu malee jechii Ibiroota baay’ees kan hin baratamnee waan ta’eef horii isaa eeguudhaaf sochosuf “dhiiphuu” fi “kiyyoo” fillatama waan ta’uu nati fakkataata.

■ **“Warri tokkoo tokkoo”** kun isa dhumaa “ isaa dhumaa” (BDB 31) jecha jedhu argisiisu kan danda’u

1. Isiin keessa dubaatti kan hafuu (1:8,8:10,9:1)
2. Hafii xiqqoo
3. Dhaloota dhufuu yookaan postret

Qabiyyichi kan inni argisiisu lakk#.1 dha.

**4:3 “Fuula keessa duratti”** kun “fuula keessan duratt Goochimni jedhu gamoo magaalicha iraa dhorkuu guutu guututti kan jiguu ta’uu isaa kan ibsuu jecha dhokatadha. Sabichii waluma galattii hidhamee gara baha fagootti hari’ameera.

■

<b>NASB</b>	<b>“Heermaanittii hin gatamtu”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“Gara Heermaanittii hin gatamtu”</b>
<b>NRSV</b>	<b>“Gara Heermaanittii darbatamtu”</b>
<b>TEV</b>	<b>“In darbatuu” (jechii irra darbameera)</b>
<b>NJB</b>	<b>“Gara Reemanitti in oofamtuu”</b>
<b>NAB</b>	<b>“Gara dhoqeetti in gatamtuu”</b>
<b>JPSOA</b>	<b>“Tuula dhorkamee irratti darbatamtu”</b>
<b>REB</b>	<b>“Tuuladhoqee horii irratti darbachuu”</b>

Gochammi kun (BDB 1020, KB 1527, *Hiphil* PERFECT) yeroo baay’ee Waaqayyoo cubbamoota argamuu isaa keessa kan baasu ta’uu isaa kan argisiisu ta’e argama. (Mootota isaa 2 17:20, 24:20 Fara 15:11, 71:9, 102:10, Er 7:15) haa ta’uu malee kara gaariidhaan immoo kara kakuu wali galtee yeroo dubbatu motoota isaa 2 13:23 keessatti argina. Ammamillee kallattiin qabiyyeen Amos waa’ee warra Asoor baasuu isaanii yoo argisiseellee jechichi mataan isaa dheekamsa Waaqummaa waan argisiisuu qaba Asoor warra Israa’el hunma ittiin baasaan kan qaban utuu hin ta’iin Israa’elonni cubbuu mataa isaaniitiif murtii Waaqayyootiin hiikaa gaalee kanaan terreefama jecha irratti qayyabanna baay’een godhama ture.

1. Bakkichi kan hin beekamne maqaa bakka tookko qofa ture XXX Reemoon kana yookaan gaaraa Roomaan jedhe waame
2. Gaarii Hermoon dogogora taerreefama jechati (NJB fi UBS, *Translator’s Handbook*, fuula 234) akkasumaas sababa kanaan gaalee dursa turee “duuba Daamasqoo” kan jedhuu wajjiin wal qabatee yemmuu jiraatuu gara Asooritti karaa ittiin ol ba’aan irra jechuu kan barbadee
3. JPSOA fi REB barreefami Ibiroota kunnii gara jechaa Ibiroota walfakkaatuutti (BDB 199) “wali irra tuulama dhoqee horii” jedhanii foyeessaniiru. (Isa 25:10), kunnis qabiyyee kana keessaatti wantoota du’aan iddoo itti gatan argisiisu danda’a. Kanaafiis “Shaatii” wantoota du’aan deddeebisuudhaaf in gargaara). Hiikii isaani yeroo dubbifaman “tuullaa dhowamee irratti tuullu”
4. Aramayik targum fi kan murta;aan hiiki Asoorota “gaara Armoonniin duuba” yeroo jedhan kunnis 5:27 wajjiin wal qabatee jira.
5. Barreefami Ibiroota karaa adda ta’een “O yaa gaara gadi qabamumaa ba’ii” kan jedhuu argamchuun in danda’ama (NIV STUDY BIBLE qabsisaa miila jalaa lakk. 13:52).

■ **“Jedha Waaqayyo”** goochmni irra deddeebi’u kun 1:5,8,15; 2:3,11,16; 3:10,13,14; 4:3,5,6,8,10,11 fi 5:17, isaan himaakana duuba aboo eenyuu, humnaa fi aangoo akka dhaabbate argisiisa.

## Amos 4:4-5

<sup>4</sup>“Bet’el iddoo itti sagadan dhaqaa, irra-daddarbaa keessan ittuma dabala!  
Gilgaal iddo sagdaa isaa kaanittis irra daddarbaa keessan ituma baay’isaa!  
Borumtaa qalma aarsaa, guyyaa sadattis kudhan keessaa tokkodhi’eessa\*!

<sup>5</sup> Mee buddeena bukaa’aa irraa iyyuu aarsaa galataa dhiyeessaa,  
jaalala keessaniin aarsaa dhi’eessuu keessan mul’isaa beeksisa!

**Akkas gochuu n jaallattu’o, yaa namoota Israa’el” jedhee dubbateera Waaqayyo goftaan\*.**

4:4 “Kotaatti” kun (BDB 97, KB 112) *Qal* IMPERATIVE dha). Lakk.4 fi 5 walduubaa fi dura ta’ee IMPARATIVE qabu. IMPERATIVES (3 *Qal* IMPERATIVES; 3 *Hiphil* IMPERATIVES).

■ “Beetel.Gilgaal” isaan kun kan durii giduu galleessa iddoo waaqefannaa ture (Beeteel Uma 12:8, 28:10-22 fi Gilgaal Iya 4).

Isaan kun dhaloota Kiriistoos duraa jaarra 18 iddoo waaqefnnaa beekama turan. (Hosee’aa 4:15, 9:15 fi 12:11) lakk 4 fi 5 ceephoon guddaadha. (5:5-6).

Lakk 4-5 kan jiran ceephoon Yaahiwwee hima itti fufaani jiran sababa ta’uu kan danda’an

1. Kan Israa’el jireenya dhoksa gadhee utuu jiraatani waaqeffannaa amalaa jallachuu isaani
2. Waaqayyoo Yerusaleemiin magaalaa quqlulluu godhe yeroo filateetti Israa’eloonnii raajootan komii isaan irraatti gatamee (fakkeenyaaf Kes 12, 11,13,14,18,26,14:23,24:25,16:6,6,7,16).

Qabiyyee kana keessaatti fillannoo tokko fillanno gaariidha.

Bakka kana irraatti Gilgaala ishee kam akka taate beekuun rakkiisadha. Gilgaala adda addaa afurtuu jira (kana jechuun “naannoo” dhgaa galmee Macaafa Qulqulluu *The Anchor Bible Dictionary* jildii 2 fuula. 1022-1023 ilaali). *Hard Sayings of the Bible* akka jedhuitti, Beeteelitti kan dhiyaatu yemmuu ta’uu (*Anchor Dictionary* #2) Haa ta’uu malee Iya 4 keessaatti kan dubbatame miti.

■ “Ganama Aarsaa keessan guyyaa saditti kurnoo keessa dhiyeessa” lakk. Kana kan ilaalatu qayabannaa gosa sadituu jira. (1) haga irra kan darbee seera amantaa isaani argisiisa (2) gara bakka fillatamii iddoo Waaqeffannaa deemuudhaan waaqefannaa barramee seera isaa geggeessa akka turan argisiisa (kana jechuun guyyaa jalqabaatti bakka isaa in ga’uu , guyyaa lammaaatti aarsaa isaani dhiyeessu, guyyaa sadaatti immii kurnoo isaani I kennu REB), yookaan (3) Hiyeessaa tokkoo kurnoo isaa jechuun kurnoo waggaa sadii jechuudha. Kna jechuunis museedhaa fi seera kakuu ergudha. (Kes 14:28, 26:12, “guyyaa” tarii “waggaa” yaadamuu danda’a.

4:5 “Raacittii yoo qabaate galaticha aarsa dhiyeessaa” lakk. Kun kan ilaalaate 1) Raacittiin kan dhorkamee ture kanaafiis abboomamuu diduu isaani arisisaa (Bau 23:18, 34:15 Lew 2:11, 6:17) yookaan 20 “Aarsaa buddenii” akka ta’ee beekamuttu irra jira (NRSV, TEV), kunnis barbaachisa hin ture haa ta’uu malee caala kennuu argisiisa. Lew 7:13 keessaatti raacittiin aarsaa fayinnaattiif akka ta’uu hiyama. Yeroo hundumaa jecha dhokaata waan gadhee miti.

■ “Labsaa dubbadha” gochamichii *Qal* IMPERATIVE (BDB 894, KB 1128) fi *Hiphil* IMPERATIVE (BDB 1033, KB 1570) dha. Gochaan waaqefannaa isaani kan biraa harkisuuf uummati bakka ilaalutti in godhama ture (Mat 6:2).

■ “Yaa ijoollee Israa’el kana jaallatanituu” Yaahiwwee irratti kan isaan qaban amantiin dhuunfa kan hunda’ee kan hawaasichaa seera murtii osoo hin ta’iin baay’isuu akkasumaas kan dubbatuuf seera Waaqeffanna ibsa amantiin isaaani ta’ee ture. Amantiin saani waliwaliisaanitti dubbachuudhaaf in barbaadu turan amantiin jireenya guyyaa guyyaa irra nama kaachisa.

■ “Jedha Waaqayyoo goftaan” 3:1 irratti qabsiisa jiru ilaali.

## Amos 4:6-13

<sup>6</sup>Mandara keessan hundumaa keessatti wani afaanitti deebifattan akka hin argamne,  
iddoo jirtan hundumaattis buddeenni akka dhabamu anatu godhe;  
kanuma irratti iyyuu isin gara kootti hin deebine” jedhee dubbateera Waaqayyo.

<sup>7</sup>“Midhaan sassaabuuf ji’I sadii hafee utuu jiruu, bokkaa isin nan dhowwadhe;

mandara isa tokkotti bokkaan akka roobu,  
mandara isa kaanitti immoo akka hin roobne nan godhe;  
maasii isa tokkoti bokkaan in robe, maasiin inni bokkaa dhabe immoo in goge.

<sup>8</sup>Kanaaf namoonni mandara lama sadii,  
bishaan dhuguudhaaf gara mandara isa tokkootti tiratan;  
haa ta’u iyyuu malee dheebuu Bau hin dandeenye;  
kanuma irratti iyyuu isin gara kootti hin deebine”  
jedhee dubbateera Waaqayyo\*.

<sup>9</sup>“Waagiidhaa fi gogiidhaan isin nan rukute, lafa isin biqiltuu dhaabbattan,  
dhaabaa waynii keessanis nan gogse,  
harbuu keessanii fi ejersa keessan hawaannisatu nyaatee fixe;  
kanuma irratti iyyuu isin gara kootti hin deebine” jedhee dubbateera Waaqayyo\*.

<sup>10</sup>“Dha’cha sanyii isa biyya Gibxii keessatti ta’e isin irratti nan erge;  
dargaggoota keessan billaadhaan nan ajjeesise, fardeen keessanis nan boojisiise;  
raqni iddoo buufata keesaniis funyaan akka isin rukutu nan godhe;  
kanuma irratti iyyuu isin gara koottii hin deebine”  
jedhee dubbateera Waaqayyo\*.

<sup>11</sup>“Ani Waaayyo, Sodoonii fi Gomoraa akkuman barbadeesse,  
isin keessaasakkasuma nan barbadeesse;  
isin akka mukukkula ibidda boba’aa jiru keessaa butamee taatan;  
kanuma irratti iyyuu isin gara kootti hin deebine” jedhee dubbateera Waaqayyo\*.

<sup>12</sup>Kanaafis ani kana si irratti nan raawwadha, yaa Israa’el!  
Ani kana si irratti waanan raadhuuf, ati immoo achuma dhaabadhuu Waaqayyo kee eegi,  
yaa Israa’el!’ jedha gooftichi.

<sup>13</sup>Kunoo, inni tulloota tolche, inni qilleensa uume,  
inni wanta yaada isaa keessa jiru namatti beeksisu,  
inni lafa ol jedhaa gararraa adeemu, maqaan isaa Waaqayyo gooftaa maccaa ti\*!

4:6-11 Laakkoofsoonni kunnii Israa’el kakuu Waaqayyo yaallessuu isaatiin kan ishee mudatuu hamaa, (abarsa) kan ibsanidha. (Kes 27-29). Isaan kunni Waaqayyo murtii itti fiduu kan itti fufee jiruu walitti qabatuu.

1. Beela (buddeen dhabuu) lakk. 6 (Kes 28:16-17).
2. Bokkaa dhabuu lakk.7-8 (Kes 28:23-24).
3. Qilleensa gogaa lakk.9
4. Waan tortorree gogee lakk.9 (Kes 28:22)
5. Quruphisaa lakk (Kes 28:21,38-39)
6. Dhayicha lakk.10
7. Warannaa lakk.10 (Kes 28:22,49-52)

**4:6** Isaan jalqaba kan walqabatanidha. Ilkaan qulleessuu ilkaani rakko miti haa ta’uu malee nyaata nyaatuun bu’a dhabamuu isaatiiti.

“Ana” kan jedhuu xiyyaafannoon bakka maqaa itti kennameera. Kunnis isaan kan kakuu abaarsi “kan erge (BDB 678, KB 733,qal PERFECT) mataan isaa Yaahiwweedha Kes 27-29.

■ **“In kennameef”** xiyyaafannoon jechii jedhu (jabaa) (cimsee) kan kennameedha. Waaqayyo saba isaa gara kakuu isaatti deebisuudhaaf bal’aa inni godheedha.

■ **“Isiin gauu gara kooti hin deebine”** isaan bal’aan kunni kayyoon isaani adaba qofaaf osoo hin ta’in oolchuudhaaf (6,8,9,19,11) akkeka qaba ture. Fedhii qalbii jijjirannaa jijjirama yaada (jecha Girikii ) itti fufee immoo jijjirama gochaa kan ibsuudha. Jechi Ibiroota fakkeenyaaf (Er 3:22-4:2) 1:3 irraati qalbii jijjirachuu mata duree adda ilaali.

**4:7 “Bokkaa dhowwate”** inni jalqabaa tarreen lamaan kan argisiisu Addollessaa (July) fi Haggayya (Augest) keessa biqilloonni ga’uu isaanni (biqilluu isaani) yeroo duraa turee bokkaa dhufuudha. Baay’isuun to’annaa Yaahiwwee keessa male Ba’aaliin kan ta’u miti lakk.3-6 tti kan jiran luqisiin Waaqayyo uumamaa irratti oolantummaa inni qabuu kan argisiisan daandii macaafa qulqullutti (Lakk.8 ) abaarsa gara magaala murta’anniif

naannoowwaanitti (Lew 26:19, Kes 28:12, 23-24) geggeessuu kan danda'udha. Kunnis dhayichii Gibxii wajjiin kan walfakkaatudha .Inni jalqaba isaan sagal kan kufaan lafa Gibxii irrattii kufeera. Haa ta'uu malee Ibiroota Goosheem keessatti lafa kam irrattillee in taane.

**4:8** Isaan dallawwan kun lakk. 7 xiyyafannoon itti fufeera. Jireenya isaani tufachuudhaaf ga'aa kan ta'uu yoo argachuu baatanillee. Magallooni namoota bishaan barbaadaniin guutaniiru.

“Jooruu” (BDB 631, KB 681, Qal IMPERFECT) jechii jedhu (BDB 631, Kb 681 qal PERFECT) sababa murtii Waaqayyootiif raafamuu yookaan naanna'uu miira argisiisa. (8:12, Uma4:12, 14, Lak 32:13, Er 14:10, Faaru Er 4:15).

■ **“Isiin garuu gara kooti hin deebine”** kun irra deddeebi'ee waamicha qalbi jijjiirannaatti (lakk. 6, 8, 9, 10, 11).

Nama dhuunfa irratti xiyyafannoo kennu isaa hubadhu. Gara Waaqayyooti deebi'uudhaaf. Gara Waaqa isaanitti. Inni isaani wajjiin kakuu adda dhaabeera. (Lakk.2) qoodii isaani kennamuuf aboomamuu ture. Ala akkekki uumamaa kan ture tokkummaadha. Waaqayyo isaa kan faakkatuu (Uma 1:26-27) qaama fooni wajjiin tokkummaa uumu barbaade ture. Tokkummaan kun uumamaa Waaqayyoo fi amala kan hubatee ta'uu qaba. Jalaalli kun tokkummaa daddarbuudha kan kufaati (Uumama 3) ka'umsaa fi akkeka faayinnaa kan ta'e. (Kanaas jechuun, sababa hameenya dhala nama kan bade fakki Waaqayyo deebisu).

**4:9**

**NASB**

**“Qilleensa nama gugubuu”**

**NKJV, NRSV**

**NJB**

**“Waagii”**

**TEv**

**“Qilleensa gubuu”**

(BDB 995) Kes 28:22, 1Mot 8:37, Sena isaa 2 6:28 fi Haagee 2:17 irratti fakkeenyoota jiran tuquudhaan jecha kana akka “biqiloota qonna” godhee ibsa. Haa t'uu malee garuu *Lexicon* (361) fakkeenya wal fakkaatuu kennuudhaan “kan gubuu” jedhe ibsa. NASB fi TEV kan hubatan “the sirocco” jedhamee kan waamamuu lafa gamoojjii ho'aa argisiisudhaaf kan ibsame jedheti. Fakkeenyaaf Uma 41, 6, 23, 27,).

■ **“Araamamoo”** jechi kun (BDB 439) kanaan olitti fakkeenyaan kan ibsamee jecha lamaanii wajjin kanwal qabatudha. BDB “samuu” jedhee hiikeera akkasuma immoo jechichi “qullaa” jechudha. (Er 30:6). Kunni Mildew kan dhufe jiidha guddaadhaan osoo hin ta'iin kan dhufee dhabamuu kan inni fiduu Whitesh powdery kan fakkaatudha.

■ **“Bineensoota xixxiqqoo the caterpillar”** waligaltee kakicha irra daddarbuudhaan sababa murtii Yaahiwwee sababa gurmuun bineensooti xixxiqqoon ittin dhufaan (kana jechuun quruphisoota, (locusts)[BDB 160], Iyu'eel 1:4, 2:25) Kes 28:38-40 keessaatti ilaaluun in danda'ama. Gurmuun kun dhayichichiis: (1) Isaan mataan isaani akka Kuruphisaawwani yookan (2) akka hanqaaquu kuruphisoota ta'uu danda'uu.

**4:10 “Gibxii akka turee dhayicha itti erge”** kun “Dhayicha” (BDB184) jechi jedhu akka itti fufuutti ta'ee tajaajilu danda'a.

1. Bau 9:3, 15 keessatti kan ibsamuu dhayichii tokko
2. Bau 5:3, Lew 26L:23-25, Bau 14:12, Kes 28:21 keessatti akka ibsameetti Waaqayyo saba isaa irratti murtii fiduuf akkekachiisaaf kan ta'u.

Ibirooti “dhayichaaf” kan fayyadaman consotants Waaqayyoo irra “jecha” wajjiin walfakkaachuun isaa kan nama hawatudha. Tarii jecha biyyoolleessa qabaachu danda'a. Israa'eli kan Waaqayyo “jecha” calisteeti waan ta'eef kan Waaqayyo “dheekamsa” haamteetti. Gara Waaqayyootiif gara sagallee isaa deebi'uun gara jireenyaatti deebi'uu fi baay'isudha.

■ **“Faradoota isaani bojiise”** kunni humna meeshaa lolaa argisiisu danda'a. Haa ta'uu malee kana karaa lamaan hubachuun in danda'ama. 1) Isaani mo'icha argachuu ture kan yaadan. Yaadi isaani kunnis kan dhufee cimina jabaa kan kennaniif fardaaf konkollaata waan qabaniif ture. Haa ta'u malee Waaqayyoo hundumaa akka fudhataniif akka boji'aan godheera. (NEB) yookaan 2) Diinni fardaa isaanii fuudhe humna warana isaani jabina duwwaa godheera. (NRSV, TEV, NJB,). Hiikii afaan ingiliffaa baay'een isaa fillannoo isa lamaa fayyadama.



■ **“Hajaa naannoo isaani”** Kun kan argisiisuu (Isa 34:3) yeroo lolaati dargagoota du’an ijoollee dhiiraa Israa’el warra in awwalamiin.

■ **“Gara fuunyaan keessanitti baase”** kunni akka salphaatti kan tortoree qaama nama du’ee ibsa yookaan kakuu Musee ibsa karaa biraan ta’uu danda’a. Yaahiwween kan inni fudhatuu ture aarsaa fillatamaa fayyaduuf kan tajaajiluu jecha dhokkata tokko “Aarsaa gaarii” kan jedhudha. (Uumama 8:21, Bau 29:18, 25,41 fi Lewa fi Bau keessatti yeroo baay’ee ) faalladhaaf fayyadama fakkeenya gaarii kan ta’uu Bau 5:21 dha.

**4:11 “Saadomi fi Gamoora Waaqayyoo akka galagalche akkasuma galagalche”** gochamichi (BDB 245, KB 253, *Qal*PERFECT) yeroodhaaf (Uma 19:25, 2Mot 21:13, Er 20:16) fi bara dhumaatti (Hag 2:21-22). Murtii Waaqayyoo itti fayyadamu. Sagalichii kan inni dubbatuu uumamaan yookaan humna Waaqayyummaan wali gala magaalota lamaa guutumman guututti waa’ee baduu isaani. Karaa bifa walfakkaatuun seera Israa’el kan hin eegne “cities of the plain” jedhani beeksisuu isaan ijoollee kakuu kanaaf arabsoo naasisuu ta’e ture. Kes 27-29 karaa biraatiin ibsa kan biraa ture (29:23).

■ **“Isiin abidda keessa akka mukukula butamee taatanitu”** qabiyyicha keessatti TEV hiika kana dheekamsa Waaqayyoo murtii irraa kan hafan dabalata xiqqoo ergaa godhee ilaalu isaa sirri gochuu danda’a (Zak. 3:20) Haa ta’uu malee kana hunduma irraa abarsii kakuucha (Bau 27-29) boodarraa isaan gara Waaqayyotti hin deebine (kanaf jechuun qalbii hin jijjirane turan). Waaqayyoo adabaan irra deddeebi’e gorsuu yaalera, isaan garuu hin deebine. Wanti hafee yoo jiraate murtii guutu ture. Lakk.kunni akkuma 3:12 diigamsa wali gala argisiisa. Abdiin fuula dura kan argamu 9:8-15 keessatti duwwaadha.

■ **“Mukukula”** jechii guddaan (BDB 15) hiiki dura “dachaasu” yookaan “naanna’uu” dha. Jechichi abidda sochосуuf kan gargaaru ulee agrsiisuuf gargaarure. (Isa 7:14, Zak. 3:2).

■ **“Haa ta’uu malee gara kooti hin deebine jedha Waaqayyoo”** 4:6 irratti qabsisa jiru ilaali.

**4:12 “Yaa Israa’el Waaqa kee simachuudhaaf qopha’ii”** gochamichii (BDB 465, KB 464) Niiphal IMPARATIVE plass qal infinitive a construct now. Yeroo baay’ee Waaqayyon arguuf kan nuu barbaachisuu qopha’ummaa haafura argisiisuudhaaf tajaajila. (1 Samuu’el 7:3, 2Sena 12:14, 27:6, Iz 7:10). Walitti dhuufenyi kun gaarumaa qaba (Bau 19 11-17). Haa ta’uu malee cubbuun isaanii arguu Waaqayyoo gara murtii kakuutti jijjireera. (5:18-20).

Lakk. Kana kan ilaalate kan biraan fillannoo nama hawwatuu kan ta’ee *Elohim* maqaa kakuu isaa Yaahiwwee kan argisiisuu kan hin taane argisiisuun isaa yookaan deebi’ees *Elohim* Uma 1 keessatti akka jirutti maqaa Waaqayyoo akka uumaati utuu hin ta’iin kan inni ibsuu “Kan Israa’el waaqa soba” (kanaas jechuun kan sanyii waaqa soba kan ta’ee) argisiisuudhaaf kan fayyadame ta’uu isaatti. (5:26, 8:14, akkasumas Motoota isaa duraa 12:28. *Elohim* jechii jedhuu Amos keessaa kan jiruu Waaqa Israa’el argisiisuuf kan tajaajilu miti. Yaahiwwee *Elohim* (Uma 2:4) kan jedhuu jecha wal qabatu duwwaadhaan kan tajaajilu. *Iyyuu’eel fi* (Tyndale Ibsituu Kakuu Moofaa), David Allan Hubbard, qubeelaa dubbifaman kan Ibiroota (consonants) kan hin jijjiree hiika fillannoof ta’u caqaseera (kanaas jechuun “yaa Israa’el Waaqayyolli keessan waamuudhaaf qopha’a” G.W. Ramsey, JBL, 89, fuula 187-191) fuula 162.

Kana yoo ta’ee lakk. 13 galata dhiyeessu Israa’ellooni maqaa Yaahiwweetiin kan isaan waaqeffatan wwaqi soba nan godha kan jedhanii wajjin raawwate kan mormuudha. (Biyyaa ormaa lakk1-3, akkasumaas 5:26, 8:14 wajjiin kan wal qabatee fi macaafa Hosee’a).

**4:13** Lakk. Kunni walaloo jecha galataa yookaan immoo Waaqayyoon waa’ee uumu isaatiif akkasumaas immoo waa’ee murtii Fara dhiyaate fakkaata. Amos kan akka kana baay’ee Waaqayyon kan ol ol qaban galata qaba. (5:8, 8, 9:5-6).

■ **“Kan hojeete”** gochamii kuni (BDB 427, KB 428, *Qal* PARTICIPLE) yaada suphee dhooftuu irraa kan dhufeedha. (Fakkeenyaaf Uma 2:27, 19, Isa 29:19, 45:15, Er 33:2).

■ **“Gaarota”** gaaronni kan jabinaatii fi mallattoo ce’umsa ture. “Gaarota” gaaronni kan jabinaatii fi mallattoo ce’umsa ture.

■ **“Kan uume”** gochaan kun (BDB 135, KB 153, *Qal* PARTICIPLE) “Uumaa “kan jedhuu wajjin wal qabatee jira. Gochami kun dandeeti uumuu Waaqayyoo guutumma guututtii ibsuudhaaf kan tajaajiluudha. Hiiki isaa guddaan “tolchuu yookaan kutuudhaan boccu” dha.

■ **“Lubbuunis”** kunni jechi Ibiroota (BDB 924) “qilleensa”, “hafuura” yookaan “hafuura” ta’uu danda’a. As irratti qabiyyeen jiruu fooni fi jireenya hafuura addunyaa garaagarummaa jiruu kan agarsiisudha. (Gaara haafura irraa).

■ **“Yaada laphee isaa namatti kan himuu”** “yaada isaa” kan jedhuu jechii Ibiroota qeenxee yeroo ta’uu kan inni argisiisuus fedha Waaqayyoti. Kun argisiisu kan danda’u

1. Waaqayyo Patiriyarikoota fi isaani wajjiin, duuka buutuu isaani wajjiin kan inni godhuu kakuu adda walitti dhuufeenya adda (3:2)
2. Waaqayyo kan jaallatuu dhalaa namaa wajjiin walitti dhuufeenya akka qabaatu barbaadu isa (Uma 1:26, 27, 12:3).
3. “Kan isaa” kan jedhuu bakka maqaa sanyii nama kan argisiisu ta’u danda’a. Bareessitooni Kakuu Moofaa baay’een akka dubbatanitti Waaqayyoo tokkon tokkoon yaada nama beeka (fakkeenyaaf Hiyyoob 34:21-23, Fara 94:11,[1Sen 3:20], Er 11:20, 17:10).

Hamaadhaaf cubbuudhaan kan kufee sanyii nama guutama guuttuu yoo ta’u baates Waaqayyoon beekudhaan Waaqayyoo wajjiin tokkummaa uumuun in danda’a. Waaqayyof kan qabnu fedha kana kan balleessu cubbuudha (kanaaf jechuun birmadummaanama) Waaqayyo uumaa duwaa miti, hiriyaadhaaf gargaara dabalateetti.

■ **“Barii dukana kan godhu”** kana karaa adda addaatiin hubachuun in danda’amaa.

1. Uma 1-2 ibsa biraa kana jechuun (1)Waaqayyoo uumaadha.[XXX] yookaan (2) jalqaba uumamaa teessuma 5:9)
2. Qabiyyeen kun luqisii duraa wajjiin kan wajjiin deemu yeroo ta’uu ibsa Waaqayyo argisiisa dhugaan hafuura ilma namaa kan bira ga’uu osoo in taane ibsa Waaqummaa barabaada.
3. Murtii Waaqayyo Israa’el irratti karaa ittin argisiisu(5:8, 20, Er 13:16,Iyyu’eel 2:2).
4. 5:8 (Yaahiweedhaaf akka uumaatti ol qaqabuu kan bira) wal cinna yemmuu ta’u kunnis WaaqayyoUmairratti humna inni qabu kan argisiisudha.

■ **“Bakka ol ka’aa irra kan ejjetuu”** tarii kun Kes (kana jechuun jecha Musee kakuu Kes 32:13) wajjiin walitti dhuufenya kan bira qaba Waaqayyoon akka uumaatti jecha dhokkata ibsudha . (Hiyyoob 9:8) Isa 58:4 fi Ibiroota 3:19 keessatti saba Waaqayyo irratti kanture eebba Waaqayyoo agarsiisa ture.

■ Kun *bamah* jechi jedhu bakka ol ka’aa irratti godhamaa kan turee kan Ba’aal (2:7-8) waaqeffannaa wajjiin kan adeemudha.) Fakkeenyaaf Hose’aa 4:13, Roland deVaux, *Ancient Israel* jildii 1 fuula 284-288 ). Kunnis sanyii warra Kana’an kan Waaqa soba waaqeffanna kennamuu mormuudhaaf qajeelfamaa Yaahiwwee fi mirkaneessu jalaala isaa karaa biraa ta’uu danda’a.

■ **“Maqaan isaa Waaqayyo gooftaa maccaatti”** kunnii 3:13 irra kan jiruu wajjiin wal fakkaata. Amos akka kakuuchaatti waa’ee uumamaa, baay’inaa fi waa’ee isa murtii kennuu Waaqayyo dubateera. Ammaimmoo amos kallattidhaan karaa nama hin walalchiifneen Waaqi isaa kan Israa’el Yaahiwwee akka ta’e ibsa (5:8) mata duree adda maqaa Waaqayyolli 1:2 irratti ilaali.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Amos 3:2-8 maal irratti xiiyyaafaataa?
2. Maalif raajoonni Beetelii fi Gilgaal irratti kan godhamuu waaqeffanna horma gocha irratti kan dubbatamee?
3. Maaliif Amos 4:4-5 irratti seera waaqeeffanna kan innii ceepaha’ee?
4. Waaqayyo saba isaa irratti baadisa erguun isaa akkeeki isaa mani?

# AMOS 5

## HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
	Cubbuu Israa'eelii fi Adabbii Waaqayyoo (3:1-6:14)		Akakeechasaa fi sodaachisaa Israa'eeliif (3:1-6:14)
Israa'eeliif Gadda Boo'ichaa	Adabbiin Soodaachisaa fi kan isheef Ta'u Adabbiinn Raawwatamuu Isaa (5:1-6:14)	Qalbii Diddiirraanaaf Waamicha	Boo'icha Israa'eeliif
5:1-3	5:1-2	5:1-2	5:1-2
	5:3	5:3	5:3 Qalbii Diddiirraanaa malee fayyinni Hin jiru
			5:4-7
Qalbii Diddiirraanaaf Waamicha			Galata
5:4-9	5:4-5	5:4-5	5:8-9
5:10-13	5:6-7	5:6-7	Sodaachisuu
	5:8-9	5:8-9	5:10-13 Jajjabeessuu
5:14-15	5:10-13	5:10-13	5:14-15
Guyyaa Gooftaa	5:14-15	5:14-15	Firdii Ta'uuf Jiru
5:16-17	5:16-17	5:16-17	5:16-17
5:18-20			Guyyaa YAHIWEH
5:21-24	5:18-20	5:18-20	5:18-20
5:25-27	5:21-24	5:21-24	Waaqeffannaa amaleeffannaaf ta'u irratti
	5:25-27	5:25-27	5:21-24

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### Amos 5:1-5

<sup>1</sup>Yaa warrra biyya Israa'el, dubbii ani boo'aa

isin irratti dubbachuuf ka'u kana dhaggeeffadhaa\*!

<sup>2</sup>Israa'el isheen akka durbaa lafa dhoofteetti, deebitees hin kaatu;

biyya ofii ishee keessatti kuftee ciifti, kan ishee kaasus hin jiru.

<sup>3</sup>Waaqayyo gooftaanoo, “biyya Israa'el keessaa mandarri tokko nama kuma,

duulatti yoo baase, isaan keessa namni dhibbi in hafaaf;

mandarri tokko immoo nama dhibba tokko duulatti yoo baase

namni kudhan in hafaaf” jedheera\*.

<sup>4</sup>Waaqayyo, warra biyya Israa'eliin,

“Ana barbaaddadhaa, jiraadhaas\*!

<sup>5</sup>Iddoo sagadaaf beekaman Bet'elin hin dhaqinaa!

Bersheebaattis hin ce'inaa! Warri Gilgal boojuutti in galu,

Bet'el gad deebitee wanta waa'ee hin baafne in taati” jedha\*.

5:1 “Dhaga'i” 3:1 irraa kan jiruu yaadannoo ilaala.

■ “**Boo'ichaa**” kun qabiyyee walaloo adda lakk.2-6 fi lakk.16-17 keessatti argama. Kun “faarru boo'ichaa” (BDB 884) kan jedhu jechi Ibiroota 1 irratti 3-2 keessatti kan jiruu rukkuta walaloo kan argisiisudha (fakkeenyaas 2 Samuu'eel 1:19-27, 3:33-34). Faaru Er keessatti akka ibsameeti ta'e tajaajila. Akkataan dhiyaana isaa faaru bo'ichaa yookaan qidaasee ibsa (lakk.16-17, 18-20). Isaan faaruun kun kan hin eegamiin kutaa tajaajila hawalcha turan.

■ “**Yaa mana Israa'el**” kun “mana” (BDB 108) jechii jedhuu kan maatii yookaan miira isa dhalettiin kan dhiyaateedha. (1:4, 5, 7:9). Amos keessatti (5:1, 3, 4, 25, 6:1, 14, 7:10, 16, 9:9) “mana Israa'el” Goochimni jedhu u Dhaloota Kiriistoos dura 922 Roobi'aam bara bittaa isaa keessa Yihudaa irra kan hirmaate gara kaaba gosa kudhan ibsuudhaaf yeroo baa'ye fayyadama irra ooleera. Goosoti kun mataa isaaniitiif gosoota Ibiroota maqaa abbaa kan ta'ee “Israa'el” (Yaa'iqoob) fudhatee ture Amos keessatti “mana Yaa'iqoob” Goochimni jedhu ala lamaa xuqameera.(3:13,9:8). Yeroo baay'ee Amos isaan gosa kurnan yookaan immoo waa'ee wali gala Yaa'iqoob/Dhalata Israa'el kan ibsamee ta'uu isaa adda baasuun rakkiisadha.

5:2 “**In kuftee**” kun (BDB 656, KB 709, Qal PERFECT) gara fulduraatti kan raawwatu ta'ee haa ta'uu malee akka waan raawwatameetti kan ilalaamu raajii perfect ibsa. Jechichii warana keessatti du'a ibsuuf tajaajila ture. (Fakkeenyaaf Er 9:22, 46:12, Faaru Er2:21 Hos 7:7).

■ “**Kana boode hin kaatu**” gochama lama qaba. (1) “Kana boode” (BDB 414, KB 418 *Hiphil* IMPARATIVE ) fi (2) “Ka'uu” (BDB 877, KB 1086, *Qal* INFINITIVE CONSTRUCT) dha. Israa'elitti amanta adda addaa irratti murtiin Yaahiwwa wali gala kan guutee fi kan al tokkoo akkasumas murti dhumaati (7:9).

Haa ta'uu malee, gochami wal fakkaatu kan Yihuuda mana mooti gara haala duraatti deebisuudhaaf haala abdi kennuu 9:11(ala lama) keessaati mul'ateera (jechuun, “godoo Daawit jigee”).Kanaafis irra deebi'ee yaada barumsa hafuura

1. Mallattoo Waaqayyoo guraachaa fi adii dhugaa wal madaalchiisuuf dhiyaateera (dialectic paradoxes)
2. Boqonnaan 9 kan ilaalatu Israa'eliin utuu hin ta'in Yihuuda qofa.

■ “**Durboota Israa'el**” jechi kun “mana Israa'el” wajjin nwal cina deema. Waaqayyo akka dubartii hin heerumneetti yookan misiroo Israa'eliif kunuunsa addatiif eegumsa godha ture. (Er 18:13, 31:4, 21). Kun Waaqayyoon akka abbaa manaatti, saba kakuu isaa immoo akka haadha manatti kan argisiisu jecha dhokkata gaa'ilaati (fakkeenyaaf Isaayas 54:5, Hose'aa 2:19, Effesson 5:22-23). Kan durii amantiin Yihudoota bariisoonni turmaata lafa gammoojjii keessa naanna'u akka yeroo cagulaatti ilaalu (Er 2:2-3, Hose'aa 2:16). Haa ta'uu malee amma qabiyyeen isaa kan nuti himuu warri Asoor yeroo warannaan Israa'eli gudeedamuu ishee fi du'aa isheeti.

■ “**Lafa ishee irratti gatamtee**” kan gochamichaa (BDB 643, KB 695) hiika dhiisu, samamtee gatamuu jechuudha. Lafti abdii amma iddoo murti. NIDOTTE maxansa 1 fuula 522-524 irratti “lafichi” dhalooti

Abirahaam kaenna Yaahiwwee akka ta'e kan ibsu barreeffami baay'ee nama hawatuu barnoota hafuura qaba (Uma 12:3). Baay'een seeroti Musee seera kan hunda'eedha. Waaqayyon kan dheekamsiise tokkumma kakuu kan qaba obbolloni maatii/gosaa isaani irraa yakki baasu tur. Waaqayyo waa'ee lafatti kan inni qabuuf kan itti dhaga'amu "waggaa torbaatti" "waggicha Iyyuubeeliyuu" fi "waggaa Iyyobeliyu" lakk. Keessatti ilaalu dandeenya.

Hundee barumsa haafura biyyaatti abdi abbummaadhaafi qoqoodu Yaahiwwee ta'uu isaa isaan lafaan kan sorooman warra butatan gutuuma guutuuti calisaniiru yookiin immoo ta'ii jedhe mormee ture.

■ **“Kan ishee kaasuu hin jiruu”** gochimmi wala fakkaatu kun (BDB 877, KB 1086) kanaan duraa kan duree lakk.keessa keessatti ibsameera. Kun asi irratti Hiphil keeyata PARTICIPLE dha. Kun kan Kana'aan waaqa sobaatti (Israa'el kan isheen waaqesituu) Israa'eliin murtoo Waaqayyo jal'aa baasu dadhabuu isaani bukkee qabani ibsu fakkaata (5:6). Kan Kana'aanoota wwaqi soba dandeetti kan hin qabnee fi homaa kan hin dandeenyee ta'uun isaani kan ibsu ture!

**5:3** kunni abarsaa kakichaa keessa tokko ture (“kuma” [BDB 48] fi “dhibba” [BDB 547] wamaami jedhaman kuta humna waranna ture, Kes 28:62). Lakkoofsa kana keessa kan jiruu xiyyeeffannoon waa'ee warra hafanii deebisu utuu hin ta'in (Isa 6:13), kan geesisuu baay'ee olaana kan ta'ee diigamsa humna warranaati. Biyyi Israa'eel itti fuufeenyaan jiraachuudhaabdi.

### **Amos 5:4-7**

**<sup>4</sup>Waaqayyo, warra biyya Israa'eliin, “Ana barbaaddadhaa, jiraadhaas\*!**

**<sup>5</sup>Iddoo sagadaaf beekaman Bet'elin hin dhaqinaa!**

**Bersheebaattis hin ce'inaa! Warri Giilgal boojuutti in galu,  
Bet'el gad deebitee wanta waa'ee hin baafne in taati” jedha\*.**

**<sup>6</sup>Egaa Waaqayyoon barbaaddadhaa, jiraadhaas!**

**Kanaa achi inni akka ibiddaatti mana Yoseef irra in bu'a, xaph in godhas;**

**Bet'el irraa kan dhaamsus hin argamu.**

**<sup>7</sup>Isin warra dhugaa namaa dubbii hadhaa'aatti geddartanii, qajeelinas lafatti gattaniif wayyoo\*!**

**5:4 “Naa barbaadadha”** kana keessa gochimi jiru (BDB 205, KB 233) keeyata abboomiti (6:14-15). Gaalee warra Ibiroota “barbaadu” akkatan barreeffama qulqulluu gara mana qulqullumaa deemu of keessatti qabata, ta'us garuu qabiyyee lakk. 5 Waaqayyoon barbaadachuun kan nurra jiruu dhuunfaadhaan, akkasumas tokkummaadhaan (Kes 4:29-30, 30:1-3, 10) taaneti malee seera amantiif qofa ta'u akka hin qabne nuu hubachisa. Gar tokkotti goruu keenya, fedhii keenyaa fi amantiif jiraachuun keenya baay'ee wantoota barbaachisoodha. Olaantummaadhaan Yaahiwwee kana kan beekaan (haala kakuu isaa) waamicha qalbi jijjiiranaati. Yaahiwwee wajjiin tokkummaan godhamuu jireenya dhugaa barbaachisa. Lakk. 4 irratti amos “na barbaada” jedhe dubbata. Gochami wal fakkaatan kun lakk.14 keessatis in argama, “Wanta gaarii malee wanta hamaa in barbaadina”. Jarren kun sadan wal cinaa kan qabamanidha. Yaahiwween yeroo baay'ee gaarii jedhameera (Fakkeenyaaf, Fara 86:5, 100:5, 106:1, 107:1,118:1,29). Kanaaf “anan” fi “waan gaarii” barbaaduun Yaahiwwee agarsiisudanda'u.(lakk.14 irratti tarree lammaaffa irra hubadhu). Ilaalcha wal fakkaata Hose'aa 8:2-3 keessatti mul'ateera.

Jecha Ibiroota “barbaadu” hiika baay'ee qaba.

1. Gaaffachuu
2. Waaqa kadhaa fi waaqeffanna keessaatti barbaaduu
3. Qorachuu (laphee beekuu)
4. Fedhii ofii gaafachuu

Qabiyyee kanaaf Lakk. 2 fillanno fillatamaadha (Kes 29, Hose'a 10:12, Isa 9:13, 31:1, 55:6,65:10).



NASB	“Akka jiraataniif”
NKJV, NRSV	“kanaaf jiraadha”
TEV	“In jiraatuu”
NJB	“irra haftuu”

Kan NKJV fi NRSV akka ibsutti kallaatidhaan. Gochimii (BDB 310, KB 309) “barbaadu” waajjin kan wal qabatuu Qal keeyata abboomiti. Miirii keeyata abbomicha NASB, TEV fi NJB keessatti in mul’ata. Akka saba kakuutti jiraachuun Israa’el tuqaa isa olaanadha! Yaahiwween dhiisadha, gara isaatti utuu deebi’ani dhiifama godhaaf, garaa haala turanitti isaan in deebisa akkasumas isaan in eega (jechuun, akka lola isa qulqullu keessattiitti).

Kun haali haraara gochuu saba kakuu isaa balleessu kan hin barbannee fedhaa laphee Waaqayyo irra kan dhufeedha (Hose’aa 11:8-11).

**5:5 “Beetelem...Gilgala...Beersabeh”** kun hunduu kan barataman bakka waaqeffanati. Kan jalqabaa lamaan Israa’el keessatti inni sadan immoo Yihuuda keessa turan. (2 Mootota 23:8, Uma 21:14, 31, 26:25, 33, 46:1).

■ **“Bersaabeh”** kun kibba Yihuuda keessatti kan argamuu kan Patiriyarkoota (AbrahaamUma21:33, Yisi’aaq, Uma26:23-25, Yaa’iqoob, Uma28:10, 46:1-7) wajjin kan wal qabatee kan qulleefamee kan durii iddo ture.

■ **“Gilgalaan raawwatte in boji’aanti”** Amos oggeessa walalooti. As irratti Amos “Gilgala” fi “gara booju deemu” (BDB 162, KB 191, kan wal fakkaatu Qal INFINITIVE ABSOLUTE fi Qal IMPERFECT) gidduutti ibsa jechaa gaarii fayyadameera. Kan Ibiroota walaloon wal fakkeenya isaani, sagalleen hiika adda addaa akka qabutti ni beekamu.

■ **“Beeteliis akkasuman in taati”** kuni Beetelitti (mana Waaqayyo) fi Beetel ta’a kan isheen dhufte (mana waaqeffanna waaqa tolfamaa Hose’aa 4:15, 5:8) gidduu kan jiruu kan wal madaalu fakkaata. Kan “akkasumaani” (BDB 19) hiiki isaa tokkoo waaqatolfamaa ta’udanda’a (jechuniis, “hommayyuu” Isa 4129, 66:3).

**5:6 “Waaqayyon barbaada jireenyatti in jiraatu”** kun lakk. 4 wajjiin wal cinna dha.

■ **“Abiddi akka hin gubanne”** kun Kes (4:24) ibsa biraa ta’uudanda’a. Abiddi kan Waaqayyoo burqaa humna yookiin karaa biraatiin yoo ilaalamu qulqulluma Waaqayyo kan ibsu jecha dhokatadha. Mata duree addaa abidda 7:4 irratti ilaali.

■ **“Mana Yooseefitti”** Israa’el “mana Yooseefitti” (6:6) jedhamte wamaamuun ishee kan in shakalamneedha. Yeroo baay’ee “mana Yaa’iqoob” (yookiin “mana Israa’eel” fakkeenyaaf lakk. 1) jedhamteeti kan waamamtu. Ta’uus garuu Efireemii fi Minaaseen, ijoollee Yooseef lamaan yeroo bittaa sana lafa guddaa kan qabatanii fi baay’inaa uummataatiin kan beekkaman gosoota dha.

**5:7 “Isin warra dhugaa namaa dubbii hadhaa’aatti geddartanii”** “murti” “qajeelinna” wajjiin wal cinnaa dha. Isaan jechooti kun lamaan Kakuu Moofaa keessatti kan wal fakkaatu qabiyyee tokko irratti mul’atu (2 Samu’eel 8:15, 1 Mootota10:9,, 1 Sen 18:14, 2Sen 9:8, Fara 99:4, Isaayas 1:21, 5:7, 9:7, 28:17, 32:16, 33:5, 59:14, Er 4:2, 9:24, 22:3, 15, 23:5, 33:15, Iz 18:5, 19, 21, 27,33:14, 16,19,45,9, Amos 5:7,24). Kunni kan kakuu haara qajeelina “amantiin argtamu” miti, haa ta’uu malee garuu Yaahiwween saba tokko amala isaa akka ibsan kan barbaade kakuu isaa durii kan hojeetu hojiidha (Mat 5:19-20, 48). Ta’us garuu saba kakuu Isa ta’ee cubbuutti kan kufee sanyi namaa kan Waaqayyo jireenya qulqullummaa jiraachu hin dandeenye!

Keeyata xumura hin qbne (BDB 245, KB 253, *Qal PARTICIPLE*), xiyyaffanoon Israa’elin yoo taatu keyaatichii haala negative ta’e qaba (5:7, 6:12, Er 2:21). Amos kan wal fakkaatu ka’umsa haa ta’uu malee Yaahiwween abba hojjichaa ta’ee 4:11 keessatti Sadoomii fi Gamoraan akka galagalan mul’iseera.

Hadhaa’aa (BDB 542) biqillaa dhangaga’aa kammiin iyyuu in ilaalata (kan UBS *Fauna and Flora of the Bible* fuula 198). Abban qabeenya murtoo dhorkeera. Haali murtoon ittiin kennamuu hiyeessaf hadhaa malee boqonnaa kan ittin argatuu in taane (lakk.12,6:12). Kuni tarii Seerea Kessa Deebii keessa kan jiru waaqeffannaa waaqa tolfama kara biraatiin ibsa jiraachu isaa ta’u danda’a (29:18, Er 9:14, 23:15). Kan Araboota “abarsa” jechuu walini walitti dhuufenya qaba.

■

NASB  
NKJV  
NRSV  
TEV  
NJB

“Qajeelummaa gara lafaatti darbachu”  
“Qajeelinni lafa irratti akka ta’uu gochuu”  
“Qajeelina lafaaf fiduu”  
“Mirga namoota irraa fuudhuu”  
“Qajeelina lafa irratti darbachu”

Asi irraatti yaadni jiruu gatuu (BDB 245, KB 253, *Qal PARTICIPLE*) miila jal’aa ka’aani dhidhiitu gara ilaalcha jedhutti gora (Isa 28:2-3. Akka mooti kan jiran abbaan murtii bakka bu’uu ture. “Murtoo sirri” fi “qajeelina” wal cinna akka ta’an yaadi (lakk.24, 6:12). Amantii Macaafa Qulqulluu kan hojii irra kan oolchu haali namuusa jira!

## Amos 5:8-9

<sup>8</sup> Inni urjoota “Torpii” jedhaman, urjoota

“sadee” jedhamanis uume, inni dukkana ifa ganamaatti diddiiru,

guyyaas dukkana ifa ganamaatti diddiir, guyyaas dukkaneessee halkan godhu,

inni bishaan galaanaa waamee, irra lafaatti lolaasus, maqaan isaa Waaqayyoo dha\*!

<sup>9</sup>Inni isa jabaa irratti badiisa in bobeesa, masaraattis balleffamuu in fida.

**5:8-9** Kun Waaqayyon waa’ee uuma isaa fi fayisuu isaa walaloo galataa dhiyaateedha. Amos keessa gosii akkasi galata afurtuu jiru. (4:4, 5:8-9, 9:5-6).

**5:8 “Urjoota torban”** kun kallatiidhaan “tuulla” fi “tuuta” dha(BDB 465, Iyo 9:9, 38:31). Xoreesitti urjoota baay’ee keessaa kun baay’ee kan ifaan kan urjii agugaa isa tokkoodha (Hiisood kana “obboletoota torba” jedhee isaan waama) UBS, macaafa qajeelfama hiiktoota, fuula 105, 242 Filisxeem keessatti daangaa gaditti seerichi ganna fida. Kanaaf dubbisi walaloo kun Waaqayyo uuma qofa osoo hin taane kan hojii uumamicha akka hordofuu (fageesse akka yaadu) kan agarsiisudha.

■ **“Ooriyoon”** jechi kun miira dubbi kakkasuutiin yoo ilalamuu “goyoomfamuu” (BDB 493) jechu dha. Amosiin ibsuudhaaf gargaara. Kan durii hawaasa urjii Namurudiiin bakka buusu (jabaa, Uma 10:8-9). Yeroo bonaa kan mul’atu ture. Waktillee kan hordofuu Waaqayyodha (jechuniis, Umabiyya lafaa hojii isaa fi seera isaa)! Ifatti akka mul’atuutti waaqefannaa urjootan (lak. 26) ilaacha akkataUmaWaaqayyoo fi kan to’anna urjoota (Uma 1:14-19) hima baay’ee barbaachisa kan baruumsa hafuura ture.

■ **“Gadiiduu du’aa gara bariitti kan jijjiiru”** akka hundee qabiyyichaati kun kan inni dubbatuu qaama samii irraa kan jiruu to’annoo Waaqayyoti (Fara 19:24). Goochimni kun akka yaadatti 4:13 wajjiin wal cinna qabamuu in danda’a.

■ **“Kan galaanoota tahiwwaan waame”** Hiikaa gaalee kana kan ilaalatuu qorannoon baay’een jiru. (1) Daangaan Wuqaannos in agarsiisa (Uumama 1:9-10), (2) Burqaan bokkaa Ba’ool uttuu hi taane Waaqayyo akka ta’e in ibsa (jechuniis, guddina kan degeeru eebba) yookiin (3) Tarii baduun bishaanicha ibsa kan biraa ta’uu danda’a (erga murtoo kan qabuu, Uma6). Waaqayyoo urjoota akka to’atuu hundumaaUmabishaaniis in to’ata. Uma1 keessatti bishaani sagalee Waaqayyotiin gara jiraachuutti akka jijjiiramu kan in aboomamne isa qofa dha. (Uumama 1:2).

■ **“Maqaan Isa Waaqayyoo dha”** Ibiroota keessatti maqaan amala nama dhuunfa ibsuuf baay’ee barabaachisaa ture. Seera b’uu 3:14 “Yaahiwwee” kan jedhu maqaan Waaqayyogochama Ibiroota “kan jiruu fi kan jiraatu” kan jedhuu irra kan dhufeedha. Mata duree adda: maqoota Waaqoota 1:2 irra ilaali.

**5:9**

**NASB**

**“Akka tasaa kan inni fiduu”**

**NKJV**

**“kan roobso”**

**NRSV**

**“Akka tasaa”**

**TEV, NJB**

**“Kan inni fiduu”**

Jechi Ibiroota (BDB 114, KB 132, *Hiphil PARTICIPLE*) hiikii shakkii keessa jira. Iyoo fi Fara keessatti gammachuun (Kan Araboota hiika guddaa) in agarsiisa. Ta’us garu, Amos bira qabuun Yaahiwwee kan Israa’el waaqi tolfamaa fi dannoo lolaa diiguun kan nama gammachiisu ta’uu dubbachaa yoo ta’uu baate hiikii isaa raawwate Amosiin hin mul’isu. NASB “wanti tokko akka tasaa akka jiguu iyyamu” kan jedhamu ta’u kan danda’u hiikni hiiphiil, hiika fudhateera. (NIDOTTE, maxansa .1, fuula 660).

■ **“Jabadhaan”** kun tarii kan dinaagdee fi kan siyaasa jabinaa agarsiisu danda’a(lakk.10-13, 2:14). Kan “hiyeessaa” nama faalladhaan humna hiyeesootaatti fayyadamoo kan ta’an nama dha! Ta’us garuu “daanota guddaa” kan jiruu sababa walitti dhufeenya tariis humna warana Israa’el ibsu danda’a.

## Amos 5:10-13

<sup>10</sup> Isin isa walga’ii karra dallaa keessatti dhugaadhaaf falmuu in jibbitu, nama dubbii hir’ina hin qabne dubbatus in ciiggaatu\*.

<sup>11</sup> sin nama dadhabaa dhidhiittanii bulchitanii, midhaan Isa karaa malee waan irraa fudhattaniif, dhagaa soofamaadhaan mana in ijaarrattu, garuu keessa hin jiraattan; iddoo dhaabaa waynii ija namaa harkisus in qopheeffattu, garuu daadhii waynichaa hin dhugdan!

<sup>12</sup> Isin warri nama qajeelaa cunqursitanii, gabbarsuus fudhattanii, nama dhabes firdii akka hin arganne gootan, irra-daddarbaan keessan attam akka baay’atu, cubbuun keessanis attam akka guddatu ani beeka\*!

<sup>13</sup> Kanaafis kun yeroo akkasiitti caluma in jedha.

**5:10 “Balbala oobdichaati kan ifatamuu jiban”** isaan sun (abbaa murtii dhugaa, raga dhugaa kan ba’an) Hiyeessaa fi rakkaataadha dhaabachuu fi falmuufi kan yaalan namooti (sirritti kun eenyuun akka ibsu adda hin baafamne, seera qabeessummaa isaa kan degeran namoota muraasa) aangoo isaa geggeesitootaan miidhaan humnaan isaan irra gaha ture (Isa 59:14-15). Kunni abarsaa Kes fi eebba kan ibsu kan bira kutaa dha (Kes 27:25). Balbalichi kan durii baha dhi’oo keessatti murtoon bakka itti kennamu ture Kes 25:1-3, Ruuti 4:1-12). Balballi kun haawasicha keessatti teessoo jaarsollii kan tureedha (Kes 19:12, 21:3, 8, 19, 21:3, 8,22:15, 25:7-8). Jarsoolliin kunni kara Amosiin ibsamaniiru.

■ **“In ciga’aman”** kun (BDB 1073, KB 1765, Piel IMPERFECT) yeroo baayee Waaqayyo waaqefannaa waaqa tolfama akka jibuu kan ibsuu gochama cimaadha. Qabiyyee kana irratti “jibuu” wajjiin wal bira kan qabamuudha.



NASB

NKJV

NRSV, NJB

TEV

“Guutuu”

“Kalattiidhaan”

“Dhugaa isaa”

“Walitti qabaatti dhugaa isaa”

Jechi isaa (BDB 1071) hiikaa guddaa sirrii yookaan kalattiidhaan jechu dha. Namuusa kalattiidhaan jecha dhokataan kan argamee muka Teemper irratti.

Fayyadama isaa itti yaadi

1. Nohii Uma 6:9
2. Abirahaam Uma 17:1
3. Aarsaa fayinaa, Lak 22:21
4. Amantii Israa’eloota Kes 18:13, Fakkeenya 2:7, 10:9
5. Waaqayyo Kes 32:4, 2 Samu’eel 22:31, 33, Fara 18, 30, 32
6. Iyo, Iyo 1:1, 8, 2:3
7. Sagalee Waaqayyo Fara 19:7

**5:11 a-b** kan lakkoofsa kana kan jalqabaa gaalewwaan walalowwaan lamaan samamuu hiyeesoota qabateera,

1. Kafaltii jabaa (jechuuniis, kan Akadiyaa jecha ol aana irraa kan fudhatame) yookaan adda baafachu(jechuuniis, kan Ibiroota jecha beekama “adda baafachu [BDB 143, KB 165, *Poel* INFINITIVE CONSTRUCT], cf. NKJV, NRSV, NJB) kan fudhatame.
2. Gibira nyaata irratti
3. Iddoo murtoo itti kennanitti matahaa nyaachuu (lakk.12)

Hiyeessa (2:7 irratti kan jiruu yaadannoo ilaali) “qotee bulaa badiyyaa” in ibsa (NIDOTTEE maxansa 1, fuula 951 irratti kan jiruu yadannoo ilaali).

**5:11c-e** Kun kakuu muse irraa daddarbuudhaan kan biraa abaarsa dhufeedha (Kes 28:30,39). Sooressii hiyeessicha saamuudhaan mana gatii guddaa (“dhagaa soqame”) ijaaranii turan (v. 11-12).Haa ta’uu malee garuu Waaqayyo sobanii bu’aa argatanitti akka itti jirataniif hin hiyamne (Mil 6:15). Kun bittaa warra Sooriyaa kan ibsudha.



**5:12** Lakkoofsi kun lakk.10-11 akka jedhutti warri sooresooti hiyeessa irratti (tarii qotee bulaa xixxiqoo) fi rakkatoota irratti kan isaan godhan cubbuwwaan in tareessa. Isaan kunni namuusa kan qabaniif nama isaan gargaaruu kan hin qabne fi rakkatoota ta’uu isaaniin sababa kanaaf Waaqayyo isaaniif kan of eegatudha (Kes 10:18, 14:29, 16:11, 24:17-22, 26:12-13, 27:19). Kun kan biraa kan Kes’ame kan ta’e xiyyeeffannoodha.

Raajootni yeroo hundumaa gara boodde deebi’aani kakuu Musee in ibsu turan. “Matahaa” (BDB 497, Bau 23:8, Kes 6:19, 27:25, 1 Samu’eel 13:3, Fakkeenya 6:35) jedhamee kan hiikamee jechii Waaqayyo cubbuuf kan inni qabu “uwisa”, “mormii”kan ibsuu jecha wal fakkaata dha. Kana keessa kunni jecha barumsa haafura harka nama tokkoo yookaan ijoota uwisuu kan jedhuu miira irra kan argame fayyadama qaba. Kun aja’ibsiisa kan inni ta’eef jecha barrumsa hafuura fayyadama nama naasisuudha.

**5:13** Kun raajichi mataan isaa kan degeruu fi kan hin degeree wantooti hundumtu hafuuf kan dhiyaate waan fakkaatuuf baay’ee lakk. Rakkisaadha. Kun tarii irra deebi’ee “kan yaadu kan ta’uu” kan jedhu (BDB 968, KB 1328, *Hiphil PARTICIPLE*) keeyata *PARTICIPLE* irratti kan dhiyaate qayyabannaa hiika ta’uu danda’a. *Hiphil* kan jedhu

1. Ilaalu (ogeessa gochuu Uma 3:6)
2. Yaaduu (fakkeenyaaf Kes 32:29)
3. Hubannoon kan guutame (fakkeenyaaf Daani’eel 1:4, 9:25)
4. Dubbachiisuu, barsiisuu (fakkeenyaaf, Daani’eel 9:22,11:33, 35)
5. Hubataa ta’uu (fakkeenyaaf Amos 5:19)
6. Ol ol jechuu (Isa 52:13, Er 10:21)
7. Fiixan Baumsa (fakkeenyaaf Keesa deebi 29:9)

Jechi kunni akkamitti hiika kan shanii yookaan 6/7 akka ta’ee Er 23:5 irraatti fakkeenya gaarii ilaali. Haala kanaan yoo tajaajile tarii kun kan bira kan Kes ibsu ta’u danda’a (jechuun 29:9). Olol akka jedhanii eegamaa kan turee eebba Waaqayyootiin( seera Kes 27:29 )ture . Haala kanaan, haa ta’uu malee isaan olol jechuun sababii agarsiisuuf seera Musee irra daddarbuudhaan humna kan hin qabne uummata isaanii in saamu turan. Lakk. 10 keessatti kan xuqaman nmoota lama wajjiin kan adeemu furtuu jechaa gamoo ilaaluun in danda’ama, (UBS, UBS, *Handbook* fuula 106-109)-

1. “Jibbaan...in cigaa’aan” garee kunni lakk,11-12 keessatti tuqameera
2. “kan inni ifaatu... dhugaa kan dubbatuu” isaan kun lakk.13 keesatti kan tuqman turan.

### **Amos 5:14-15**

<sup>14</sup> **Isin akka jirraattanitti wanta gaarii barbaadaa malee, wanta hamaa gochuu hin barbaadinaa! Yoos akkuma isin wajjin in jirata\*.**

<sup>15</sup> **Wanta hamaa jibbaa, wanta gaariis jaalladhaa!**

**Walga’ii karra dallaa keessatti dhugaan jabaatee akka dhaabatu godhaa!**

**Yommus Waaqayyo gooftaan maccaa, sanyii Yoseef keessaa warra hafanitti araara in argisiisa ta’a\*.**

**5:14 “Gaarii malee hamaa hin barbaadina”** raajichii kan inni wal madalchisuu hubadhuu (lakk. 15). Jijiranama barabara fillannoon qabuu jira. “Barbaaduu” (BDB 205, KB 233 jecha ajaaja keeyata) keeyata ajaja biradha. Keeyata ajajaa kana lakk.4 fi 6 keessatti jireenya namuusa qabu irratti xiyyaffanno kan qabu wajjiin walitti dhuufenya inni qabu hubadhu. Amantiin Macaafa Qulqulluu wantoota lama irratti xiyyaafannoo akka qabu yaadatamuu qaba. Kan jalaala walitti dhuufenya dhuunfaa fi gocha (Efe 2:8-10 fi 1 Yoh 3:23). Amos Israa’eliin “waan gaarii barbaada” jechuudhaan isaan ifata. Isa gochama wal fakkaata kana fayyadamuudhaan saba Waaqayyotiin murtii barbaada jechuudhaan ibsa (Isa 1:17).Waa’ee maaliitiif kan dirqamnee?

Waa’ee maaliitiif kan beeloofnee? Maal wanti nu’ii barbaadnuu? Deebiin gaaffoollee kana eenyuun akka taanee fi eenyuu maal akka tajaajilu nuti hima.

■ **“Waaqayyo gooftaan maccaa isiini wajjiiniin ta’a”** kunni Waaqayyo hojjechuudhaaf kan danda’uu kakuu isa guddaadha (Far 23). “Waaqayyo gooftaan maccaa” maqaan jedhuu Kakuu Moofaa keessatti hiika wali wajjiin deeman lama qaba. (1) Yaahiwwen ergamaa ajajaa waranaa akka ta’e fi (2) Yaahiwwen humna ergama kan bakka bu’an qaama urjoota to’ata akka ta’e (waaqeffanna waaqa tolfama Babiloon). Mata duree addaa maqaa Waaqayyoolli 1:2 irratti ilaali.

■ **“Akkasumas isiin akka dubbatan”** Amos tarii kan inni argisiisa jiru

1. Kan baratamee kan luboota/barsiisota Yihudooota barnoota isaanii
2. Baay’inaan kan godhamuu namusa seera waaqeffanna/Fara
3. Ammas Israa’el saba qulqulluu filatamtee akka taate ibsa (fakkeenyaaf, Bau 19:5-6, Kes 7:6, 14:2)

**5:15** “Hamaa jibbaa gaarii jalladhaa balbala kellichatti murti cimsa” isaan kunni keyaatoota ajaja Ibiroota sadii

1. “Jibba” (BDB 971, KB 1338, Qal IMPARATIVE)
2. “Jalaala” (BDB 12, KB 17, Qal IMPARATIVE)
3. “Cimsuu” (BDB 426, KB 427, Hiphil IMPARATIVE)

Isaan kun seera kakuu Musee calaqisiisu Amosi fi biyya lafaatiif kan qulqulla’ee giddutti, lapheedhaa fi harka giddutti garagarumaan akka hin jire hubadhu (Mikiyaas 6:8). Sabi Waaqayyo amala Waaqayyo calaqisiisuu qaba.

“Cimsu” jechii jedhu fuula isaa, gocha akeeka qabu akkataa barreefama qulqullu qaba (fakkeenyaas Hose’a 2:3). Amanamumaan Waaqayyo samuu isaanitiifi laphee isaani kan murtii, kan gaarumaatiifi raawwate kan mo’icha haala isaanitiif isaaniif gochu qaba.

■ **“Tarii goftaan...hafii Yosefi if garaa laafa ta’a”** Raajichi warra gaabaniif amanti isaaani warra dhiisan (jechuun, “ana barbaada” lakk 4, “Waaqayyon barbaada” lakk. 6) Israa’elonni murasooni abdi dangeefame (jechuun, “tarii” BDB 19) labsaa jira.

**Amos 5:16-17**

<sup>16</sup> **Amma garuu Waaqayyo goftaan maccaa gooftichi,**

**“Walga’ii karaa hundumaa irratti in boo’u,**

**Karaa jiru hundumaa irrattis, wayyoo!**

**Wayyoo in jedhu; warra qotiisa qotan gaddaaf, boossiftuus boo’ichaaf in waamu.**

<sup>17</sup> **Iddoo dhaabaa waynii hundumaatti iyyuu boo’ichi in ta’a;**

**ani isin adabuudhaaf isin gidduu waanan darbuuf kun hundinuu isinitti in dhufa” jedhe;**

**inni kana dubbate Waaqayyoo dha\*.**

**5:16 “Kanaafiis”** lakkoofsi kunni 10-13tti kan jiru wajjin walfaana deema. Lakk.4-6 keessatti qalbi jijjiiranaa kan jalqabuu ofi eegannoo irra deddeebi’insa wajjin kan wajjin deemu miti (jecha furtuu, “barbaadu”).

■ **“Bakkee hundumaa irratti boo’ichi in ta’a..’ wayyo!’ in jedhama”** raajichi seera hawalicha irratti Far bo’ichaaf ta’uu 5:1 irratti jalqabeera, amma murtiin waan dhufeef namni hundumtuu boo’icha irrajira. “Bakkee” “balbala hundumaa irra” yookaan “bakka gabaatti” wajjiin wal cinna ta’u danda’a. “Karaawwaan” (BDB 299) jechii jedhuu mata isaa bakkee yookaan gabaa kan jedhuu hiika qabaachu danda’a (fakkeenyaaf Mootoota isa duraa 24).

■ **“Qotee bulaaniis”** “Qotee bulaa” jechii jedhu “hiyeessiis” akka argisiisu nan amana. Kan ammayyooome aadaa warra lixaa keessattii kan jiruu hiyeessa osoo hin ta’in lafa maati (maatii Yaahiwwee) irratti ta’ee saama kan turee qotee bulaa xiqqodha. Waggaa snbataa fi waggaa Ibeel kan jiruu Museedhaan dirqama ibsamee dhiisuu fi lafa itti fufeenyaaani haala fudhachuutuu ture.

■ **“Warri bo’anis”** giddu isaanitti baha dhi’oo itti dhiyaatani namoota jiran baay’ee ifaa kan ta’ee seera gaddaa qabu. Aadaan Ibsi gaddaa kun akka eegamu kan godhan namoota beektoota ture (2Sen 2 35:25, Er 9:14). Jams M. Freeman, *Manners and Customs of the Bible*, fuula 283-284 ilaala.

**5:17 “Gidduu keen an darba”** kun gaalee wal fakkaatuu ergaa du’aa murtii Gibxii keessa faasikaa Waaqayyoo balbala yeroo darbuu Bau 12:12 irratti ibsameera.

Dhufaatiin Waaqayyo murtiif yookan eebbaf ta’uu danda’a (18). Israa’eli eebbaf akka ta’ee sirritti beekti turte haa ta’uu male Amos murtiif akka ta’e ibse ture. Kan nama ajaa’ibsiisu deebi’ee dhufuu, kan nama gaddisiisu galagaltoo (lakk.18-20) sanyii nama bifa Waaqayyotiin uumamee hundumaa miira Waaqayyoon barbaachu qaba. (lakk.14). Waaqayyo nuu wajjin ta’uu in barbaada, haa ta’uu malee cubbuun keenyaa tokkummaa utuu hin ta’iin murti barbaachisa akka ta’uu godheera.

## Amos 5:18-20

<sup>18</sup> **Isiin warra guyyaa Waaqayyoo hawwaan eeggattaniif wayyoo!**

**Guyyaan Waaqayyoo maal isiiniif godha? Inni isiiniif dukkana'aadha male ifaa miti!**

<sup>19</sup> **Akka nama leenca jalaa utuu baqatuu amaaketi itti dhfuutti,**

**isa jalaa ba'aas manatti galee keenyan yommuu qabatu bofni harka isaa idduu in taatuu.**

<sup>20</sup> **Guyyaan Waaqayyoo sun ifaa utuu hin ta'in dukka'aa dha ree?**

**Innoo duumessaa'aa dha aduus hin qabu\*.**

■ **“Guyyaa Waaqayyoo kan barbaadan”** gochamni kun (BDB 16, KB 20, *Hiphil* PARTICIPLE) “fedhi mata isaanii” jechudha. Namooti kun saboota kakuu waan turaaniif dhuufatti Waaqayyoo (jechuun, “guyyaa Waaqayyoo”) eebbaafi birmadummaa fiduu akka ta'ee in yaadu turan (3:2). Haa ta'uu malee sababa kanaatif murtii ture kan dhufe. Lapheen jaamuu irraan kan ka'e Waaqayyoo gara isaanii kan dhufeef akka murteessatti (3:14, 5:18, 8:3, 9, 11, 13) ta'e malee akka fayisaatti (9:11, 13) hin ture. Amantiin isaani bu'aan isaa kan abaarsaa ta'e (Kes 27-29).

Barreesoota raajoota keessa Amos isa jalqaba ture akkasumaas immoo kun “guyyaan Waaqayyoo” Goochimni jedhu u fayyadama jalqabaati (2:16 irratti qabsiisa jiruu ilaali). tarii “lola qulqulluu” guyyooti kan argamee jecha dhokata osoo hin ta'iin hin hafuu (jechuun, Iyaasuu fi Judges). Yaahiewween kan jiruu fi kan ture saba kakuu kan degerree fi eega ture, haa ta'uu malee yeroo walitti buu'insatti mul'achuu dinqisiisadhaan saba isaa bal'aa irra eegera. Ta'uus garuu Israa'eel kakuu ishee irra dadarbuu ishee irraa kan ka'ee carraan ishee gara murtii gatamutti jijjii rameera (Iyu'eel 2).

■ **“Dukkana malee ifa miti”.** Kunni jechoota kana giddutti wal madaalchisuu jiruu haala itti fufeedha (4:13, 5:8, 20).

**5:19** Raawwatee firsii Waaqayyoo jala kan itti baqatanii ba'an bakki tokkuuyyuu hin jiru.

**5:20** Dhuufaati jabaa ! Gadda dinqisiisa!

■ **“Dukkana limixii”** “ibsa” (BDB 618) tarii ulfina Waaqayyoo kan bira ibsa ta'u danda'a.

## Amos 5:21-24

<sup>21</sup> **Waaqayyoo, “Ani ayyaana ayyaanefachuu keessan nan jibbe.**

**Waa'ee isaa nan dhiise, walga'iin keessaniis anatti in ajaa'e**

<sup>22</sup> **Qalma gubamuu fi kennaa midhaani anaaf yoo**

**dhi'eessitan iyyuu ani itti hin gammadu;**

**horii cocoomoo qalma galataaf dhi'eessitaniis anni hin ilaalu.**

<sup>23</sup> **Iyya Fara keessani ana irraa fageesaa!**

**Sagalee maseeqoo keessaniis ani dhaga'uu hin barbaadu.**

<sup>24</sup> **Qooda kanaa bulchi qajeelaan akka bishaanitti**

**qajeelummanis akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu\*.**

**5:21-24** Lakkoofsonni kunnin 1-7 seera aarsaa Lewwota keessatti dhiyaate Waaqayyoo akka mormee agarsiisa? kitabaa rajoota keessatti Waaqayyoo saba isaa seera shaakkala seera aarsa haala gammachisaa kan hin taanee kan argisiisan keyatooti cicimoo baay'een jiruu (Isa 1:11-17, Er 6:20, 7:21-23, Hase'aa 6:6, Amos 5:21-27, Milkiyaas 6:8). Seeri aesaa Yaahiwwee cubbuu ilma namaa kan golguu fi kan jaalatuu ilma namaa wajjiin, kan dhuunfaatii fi kan walitti dhuufenya amanta kan itti fufuu fi kan gabisu karaadha. Ta'us garuu Israa'eeli seera kana seera kadhata qofa gochuu irra kan hafee shaakala hormoota wajjiin waliin makteeti. Yaahiewween tokkumma barbaada Yaahiwween amala isaa kan calaqisiisuu uummata barabaada! Yaahiwween karaa uummataa filaatamee gahuu barabaada (Uma 12:3, Bau 19:5-6).

**5:21 “Waggaa ayyana keessani jibeera, ciga'eera, walgahii keessanitis hin gamane”** isaan kun jecha cimadha. Baay'ee warra amantii turan haa ta'uu malee fedhii isaanittif lapheen isaani Waaqayyoo irra baa'yee fagaate turee amantiin isaanii Waaqayyoof kan qaban jibbba gudda argisiisa ture (Isa 29:13)! Gochamii jalqabaa lamaan “jibeera” (BDB 971, KB 1338) fi “ciga'eera (BDB 549, KB 540) Qal PERFECTS yeroo ta'an kan isaan bakka bu'an kan tasgaba'ee, guutummaa guututti kan gartokkotti jal'ateedha.

■ **“Ayyana waggaa”** (BDB 290) jechi jedhu yeroo baay’ee wagga ayyanaasadaffaaisa guddaa argisiisuudhaaf tajaajila (Bau 23:15-16, Lew 23). Dhiroota hundumaatiif gammachuu ture.

Jechi “Gammachuu” jedhu (BDB 926, KB 1280, *Hiphil IMPERFECT*) kallatiidhaan yeroo ilaalamuu “Foolii” yeroo ta’uu kunnis Yaahiweedhaan fudhatama kan argatee aarsaan kan itiin beekamuu gaalee Musee kan ta’ee “foolii gaarii” kan jedhuu ilaalata (fakkeenya, Uma 8:21, Bau 29:18, 25, Lew 26:31, 1Sam 26:19).

**5:22** Tokkummaa kan hin qabne amantaan yeeloo guddaadha (Isa 1:10-20, Er 7). Yaahiween seera aarsaa isaa guutumma gutuutti hin mormine , haa ta’uu malee seera aarsicha seeran ala haala fayyadamuu mormeera. (Qalbii jijjiiranaan kan hin qabne kan godhamuu waaqeffannaa, seers malee kan ijaaramee gar tokkotti goru)!

■ **“In ilaalu” “ilaalu”** (BDB 613, KB 661, *Hiphil IMPERFECT*) jecha jedhu fudhachuu yookaan irratti waligaluudhaaf miiraa irratti dhi’aateera.

■ **“Kan yaadan”** kun (BDB 597) aaresaadhaaf dhi’aachuuf kunuunsii godhamaafi kan turee horii saafila in argisiisa.

**5:23 “Iyya Fara keetii na duraa fageessi”** (BDB 693, KB 747) *Hiphil* ajajaa keeyata qeenxee saala kormaa. Fedhii sirri ta’ee kan qabuu ta’uu yoo malee baatee kan qulqull’ee fi Fara nama aja’ibsiisu yoo ta’eyyuu qoosan, ofituulummaa fi Waaqayyoodhaaf jibba gudda kan argisiisuudha. Waaqayyo bifa duwwa utuu fedhiis in barbaada! Lakkoofsi kunni gosoota kaaba mana Qulqullumma Yerusaleem keessatti (Dawiitiin kan qinda’ee Saamu’el isaa 2 5, 15) in godhamuu kan turan bifa waaqeffana, (jechuun, walitti qabama rajoota Far qinda’ee Samu’eel isaadura 15) akka fudhatan argisiisa. Geggisooti ishe (Iyerobi’am 1) saba shaakaala qaban giddutti garagarummaan akka jiruu akka itti hin dhaga’amne isaan bakki aarsaan kaabaa (jechuu, Daanii fi Beeteel) akka baayaatan in barbaadu turan. Gochamooti qeenxee ta’uun isaani nama dinqisiisa. Sirritamatti Amos lakk.23 keessatti waa’ee warra Beeteel jiratanii luboota gurguddaa itti dubbata jira.

■

NASB, NRSV,  
TEV, NIV  
NKJV, NET  
NJB  
REV, JPSOA

“Begenaa”  
“meesha Faruwwani kan foo’aa”  
“Masanqoo”  
“Ullullee kan fakkaatuu”

Hiiki afaan ingilliffa baay’een akka argisiisanitti, kan ammayyoman kuni ammam kan siratee meesha Far akka argisiisu hin beekan. Meeshaa Far isa kami wajjinu akka ramadamuu qabsiisa fudhachuuf 2 Samu’eel 6:5 fi Far 92:3 ilaala. Kan warra Asoor fakkii keenyan irra akka argisiisanitti bifnii meeshaa kana akka keenya Viyooliin kan ittiin taphatan, kirrii sagallee baasu saanduqa kan qaban meesha ta’uu danda’a. James M. Freeman, *Manners and Customs of the Bible* fuula 221-22 irratti ilaala.

**5:24** Kunni Amos keessatti luqisa beekamadha. Waaqayyo saba isaa waaqeffanna guyyaa murta’ani qofa osoo hin taane tokkon tokkoon guyyaa eenyumma isaa irratti xiyyafanno akka godhan barbaada. Amantiin dhugaan eenyummaa keenyaa male nu waan nutty goonu miti, haa ta’uu malee eenyummaan keenya waan goonuun karaa goonuu fi sababa goonuu keessatti ifatti hin aargamu. Wanta goonuu fi maaliif akka goonuuu (Maatiwoos 7).

“Murtii” fi “tolii” lakk. 7 keessatti akka jiruttii wal qabatee jira. Qabiyyee kana keessatti jechooti kakuu Musee Waaqayyoo fi kan waaqefatuu giddutti waliti dhuufeenya sirri ta’e kan argisiisa akka ture mucaan nama fudhachuu isaa argisiisa. Kan waaqefatuu fi Waaqayyo.

Kun dhangala’uu (BDB 146, KB 193) gochami jedhuu keeyata miira ajajaa kan argisiisuu Niiphaal Jussive dha.

■ **“Akka dhangala’aa in gogne”** kunni (BDB 450) yoomiyyuu burqaa hin gogne argisiisa (jechuun, waqatawwaa miti). Kunni damaqaa jireenya amanta kan ibsuu jecha dhokkata cimaadha (Er 22:3, Hiz 45:9, Milk 6:8).

### **Amos 5:25-27**

<sup>25</sup>“Yaa warra Israa’el, yeroo lafa onaa keessas waggaa afurtama turan,  
Qalma, kennaas anaaf dhi’eesitanittu moo ree\*?”

<sup>26</sup> **Ammas isiin Waaqayyolii tolfanoo keessan ‘Saakuut’ isa akka mootiitti fudhattan, ‘Kiiyoon’ isa bifa urjii laattaniifi itti sagaddan ol fudhattanii in baadhattu.**

<sup>27</sup> **Kanaaf ani biyyaa isiin baasee mandara**

**Damaasqoo garasitti boojuutti isin nana dabarsa” jedhe dubbateera; inni immoo maqaan isaa Waaqayyo goftaa maccaa ti\*.**

**5:25** Kunni hiikuudhaaf lakkoofsa baa’ee rakkisadha? (Lakk. 25 kan itti fufee) yookaan mirkaneessu (lakk. 27 kan walitti fiduu, TEV). Hikoota lama qaba 1) Amosi ijoollee Israa’el lafa ohonaa keesatti aarsaa akka hin dhi’eesineef utuu dubbatuu (Er 1:21-22 fi NJB) yookaan (2) Ammamillee karaa murta’een aarsa dhiyeesse yoo ta’es (JB) akkeekii aarsaa isaani gara ari’atamatti kan nqajeelfaman turaniif (bukkee qaba) waaqa tolfamaa soba Asoor maleYaahiwwee hin ture.

**5:26** Lakk. Kun haala yeroo irratti yaada baay’ee qaba. Lakk. 25 waggaa afurtamaa deemsa lafa honaa agarsiisa yookaanis kan dhufuu bitta rakkina Asoor? Kan tuqaman waaqi tolfamaa urjoota Asoor waan ta’aniifi lakk. Kunni kan yericha yookinn ari’atama dhufuu kan argisiisu fakkaata, lakk. 5 immii Bau booda Gibxii yeroo ba’aan kan turee deemsa lafa honaa agarsiisa. Fillannoo biran Israa’elooni ammamillee Gibxii erga ba’aani booda waggoota dheeraadhaa f haala rawwaachuu hin dandeenye keessa waan turaniif raawwachuus yoo hin dandeenyeeyyuu seerri aarsichaa isa dhumaa godhani turan (iddoon aarsaa tokkole hin ture. Waggoota sanatti xiyyaffannon amanta isaani jalaala Waaqayyoo, argamuu fi qajeelfama amantaa dhuunfaa malee aarsaa dhiyeessu hin ture. Aarsaan kun seera isaa kan cigaa’u miti. Sirritti fedha Waaqayyo ture haa ta’uu malee galmi isaa inni guddaan taajajilai isaa, seerri waaqenna isaa fi waaqeffanna utuu hin ta’iin Waaqayyo mata isa ture! Kakka’umsaa fi kallatti waanti tokkoo irraa socho’uu barbaachisoodha.

HoE7:42-43 keessatti Isxifaanos Amos 5:25-27 tuquu isaa hubadha. Dhaloota Kiriistoos booda jaarra jalqabaa kan turan Yihudootni baay’een hiikaa Kakuu Moofaaa kan Beektota torbaatamaa (Septuagint) ni fayyadamuu turan. Bakka tokko tokkoo keessatti barreeffama Maasoreetic deemsa addaa fayyadamaniiiru. Kun rakkisaadha ta’us garuu. Kakuu Moofaa hundumaatti (macaafa maramaa kan garba du’aa) keessatti aadaan laamaanu in argama. Lakk. Lamaanu kan amantii yookiis kan shaakala aadaa dhugummaa isaa yookiin itti fuufenya kan tuqan miti. Nutii kan Ibiroota Kakuu Moofaaa fi kan Ibiroota Kakuu Moofaa kan durii barreeffama Biranna gidduutii garagarummaa jiruu kiriistaanumaan akka hin dhaabane yookaan akka hin kufne hubachu qabna. Gleason Archer’s *Encyclopedia of Bible Difficulties*, fuula 381-382 keessatti raga jiruu ilaala.

■ **“Kan Waaqa keessani kan Refaan”** LXX “godoo kaasuu” ibsa jedhu qaba, ta’us garuu kunni Adar-Melek-Saturn (Ninurta in Ugaritic.) kan jedhamuu kan warana waaqi soba argisiisuuf galmee warra asoor keessatti argama. Waaqayyoollin “mootii” jedhamee akka waamamuu hubadhu, kunni immo aadaa seenaa fi Yaahiwwen akka mootitti ilaalama akka ture kan argasiisudha.

■

NASB	“kiyuum”
NKJB	“Chiyuum”
NRSV, TEV	
NJB	“Keewwaan”
NIV, REV	“Utubaa”

Kunni kan warra Asoor waaqa tolfamaa urjii kan argisiisu yeroo ta’uu Satriin kan jedhamuu hooma aduu jedhamee waamama (BDBN 475).

NASB maqaa waaqa urjii dubbifamaa fi jecha Ibiroota kan ta’e “jibba guddaa” (BDB 1055) akkasumaas sagalee dubbachiiftuu fudhachuudhaan kan Ibiroota kan ta’ee akkataa barreeffama jecha ibsa. Kunni Ibirootaa fi barreesitoota dhaabattoo maqaa waaqa tolfamaan moototaaf saba irratti dubbachuudhaaf kan itti fayyadaman karaabarratameedha (fakkeenyaaf, Reefaana). “Kewwaan” akkataa barreeffama jechaa Akadiyaan yookaan Araba irra kan argameedha. Jechichi akka “utubaa” ta’ee hiikamuun isaa jechichii “cimaa ta’uu isaa” kan jedhu jecha isa gudda kan dhufee ta’uu isaa kan mul’isuusudha (*kwn*).

**5:27 “Damaasqoo irraa gara sanatti isiiniinaan boojiisaa”** kun Dhaloota Kiriistoos dura waggaa 722 Samariyaa marfamaa waggaa sadii booda bitta warra Asoor argisiisa (kan ta’ee 4:3 fi Hose’aa 9:3, 10:6, 11:5). Kunni irra deebi’ee waa’ee Kes 27-29 abarsaa fi eebba kan yaadichiisu kutaa xiqqaadha.

■ **“Kan jedhuu maqaan isaa Waaqayyo gooftaa macca kan jedhamee Waaqayyo”** Waaqni Israa’el Waaqayyo maqoota qabu tokkoo “Yaahiwwee gooftaa maccaa” yookaan “Yaahiwwee gooftaa macca Waaqa” (Samu’eel isaa duraa 1:3). Barrefamaa kan keessatti Eloo’im Yaahiwwee bakka bu’a. As irratti mata durichii Waaqayyoo macca Waaqa kan to’atuu ta’uu isaa wajjiin kan walitti dhufuudha (jechuun, urjooti isaa). Yaahiwwee kan Waaqa yyoalli urjoota miti (jehunis, kan asoor waaqota urji), abdiis Israa’eel malee barreeffama baay’ee kan ifoota samii waaqessun kan balaleefatameedha (Kes 4:19, 8:2, 17:2-5, Mootota isa 2 23:4-5, 11, Er 8:2, 19:13, 32:29, SAooniyaa 1:5). Kakuu Moofaaan kan ifoota waaqa Waaqayyo akka uumeef akka to’atuu dubbaata (Uma1”14-19, Fara 19:1-6, Neh 9:6).”Gooftaa maccaa” kan jedhu kan waaqeffanna waaqa tolfamaa kan balaleefatuu barreeffama kan wajjin waan wal qabatuufidha (kan waaqa tolfamaa/kan Ergamoota/kan ifoota waaqa hafuroota waaqessu, Sabtuwajeenti Kes 32:8).

# AMOS 6

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
	Cubbuu Israa'eelii fi Adabbii Waaqayyoo (3:1-6:14)		Akakeechasaa fi sodaachisaa Israa'eeliif (3:1-6:14)
Akeekkachiisa Tsiyoonii fi Samaariyaadhaa		Diigamuu Israa'eel	Yaada sobaa isa umtuu nurra hin ga'uu jechuun waan barbaadan gochuu jraa irratti
6:1-2			
6:3-7	6:1-3 6:4-7	6:1-7	6:1-7
3:1-8			
6:8-11	6:8 6:9-10 6:11-14	6:8 6:9-10 6:11-14	Gogiinsa, Adabbii, socho'uu lafaa, weerara 6:8-11
6:12-14		6:13 6:14	6:12-14

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

#### Amos 6:1-3

<sup>1</sup>Isin gurguddoonni saba isa saba warra kaan irra caaluu,  
warri namoonni Israa'el gorsaaf gara keessan dhufanii,

isin Xiyoona keessa yaaddoo tokko malee,  
tulluu Samaariyaa gubbaas homtuu hin jiru jettanii amanttanii in jiraattu;  
garuu isiin wara akkasii kanaaf wayyoo!

<sup>2</sup>Darbaa mandara Kaalnee ilaalaa!

Achii immoo gara mandara Haamaat ishee guddittii dhaqaa!

Gara mandara biyya Filiisxiyaa gara Gaatitti gad bu'aa;

isaan mootummoota warra kan keessanii irra in wayyuu ree?

Yookiis biyyi isaani biyya keessan irra in bal'ataa ree\*?

<sup>3</sup>Isin guyyaa hamaa achi fageessuu in yaaddu, wanti humnaan nama  
irratti dhufu garuu akka dhi'aatu in gootu\*.

**6:1 “Wayyoo”** akkataan dubbifama jechichaa baa' yee kan aarsuu yookaan miira gaddaa kan qabu fakkaata. Jechii kun (BDB 222) Faaruu Erm maacaficha kan ibsudha. (5:22) Raajichii Waaqayyoo wajjiin wali galuu diduu fi murtii isaa dhufuu ibsuudhaaf seera hawaalchaa faaruu bo'icha bifa kallaatiin (3-2) fayyadameera. Jechii kunni Isa (1:4,24, 5:8, 11, 18, 20, 21, 22, 10:1, 17:12, 18:1, 28:1, 29:1, 15, 30:1, 33:1, 45:9, 10, keessatti bifa alta'adhaan 10:15 bifa wal hin calichiifnee fi 55:1 keessatti bifa poosativi akkasumas Er (22:13, 18, 23:1, 30:7,34:5, 47:6, 48:1, 50:27) keessatti ibsameera.

Raajjeefannoon kunni tokkon tokkoon isaani “bo'uu” jecha jedhu kan qabatan itti fufeenyaan keyata PARTICIPLE qabu (lakk.1-7).

■ **“Utaalanii kan ta'an”** gochamni hin jiru. Gaaleen kun bifa yeroodhaaf hin taaneen ta'eera. “Kan hin raawwanne, kan waa'ee hin baafnee fi oftulaa” (BDB 983, Isa 32:9, 11, Zak. 1:15, Fara 123:4) raajjii bareefama qulqulluu qaba. Sorooma yookiis quufa yookiis immoo uummaticha keessatti bakka hin qaban turan rakkichii haa ta'u malee Waaqayyoo irra caala wantoota kana irratti amanta gattuu isanitti male.

Kan itti fufani jiran kun lakkofsoni muraasi kun karaa adda addaatiin ibsa.

1. Jabinni kan isaanitti dhaga'amee
2. Guyyaa hamaa kan gattan lakk.3
3. Ilkaan Arbaa irra sirree hojeetame irra warri ciiftaan lakk.4
4. Taphaa walaloon kan dhi'eesan (Fara akkasummaani kan faarfattan) lakk.5
5. Shoombooqoodhaani dhaadhii waynii warri dhugdani lakk. 6

■ **“Tsiyoonitti”** kun “gaaraa Samariyaa keessatti” (magaalaa guddittii kan warra kaaba magaalaa guddoo gosoota kurnaani) wajjiin kan walqabate fakkaata. Haa ta'uu malee garuu Tsiyoon bakka olka'aa Yerusaaaleem keessaa ishee tokko. Kana jechuun

1. Saba kakuu walumma galatti, 3:1, 6:8
2. Lamaanuu Yihuudaa fi Israa'el cubbaamoota fi balleesitoota turan
3. Yeroo ibsamuu bukkoo (parallel), haa ta'uu malee garagarummaa tokkoyyuu akka hin qabaaneetti kan yaadan

■ **“Geggeesitota”** kunni kallaatiidhaan “cabsanii kan galan dhiiroota” (BDB 666, KB 718, Qal PARTICIPLE) jechudha. Kan araboota jecha hundee of eegannoon kan sakata'an” (kanaas jechuun, geggeesitoota hiika jedhu qaba) kunni waan argisiisu kan fakkatuu (1) Israa'eloonni mataan isaani murtii Waaqayyoo eeguudhaaf wali galtee in godhu kan turangeggeesiitoota durii (kana jechuun gara warra Asooritti ari'atamuu) yookaan (2) Isaan geggeesitooti soreessii waa'ee mata isaani kan isaan yaadan (lakk. 13, A'itii macafaa qulqulluu, Tiindaal hiika).

**6:2** Nami tokkoo lakkoofsa 1 haala hubatee irratti hundaa'ee lakkoofsii kun ta'uu kan qabuu

1. Saba kakuu geggeesumma of tuulummaa kan ibsuu jecha Amos (Yihuudaa fi Israa'el ) 9:7 wajjin wal fakkaatu. Ta'uus garuu kun barreefami murtaa'ee sirrama of keessatti qabateera (UBS, *Handbook*, #31, fuula 289).
2. Geggeesitoota sabaatiif kan kennaman yaadota (Macaafa Qulqulluu NET hiika Tindaal).

■ **“Kaalnee”** kun Dhaloota Kiriistoos dura 736 Tiglath-pileses III faan kan baddee Soriyaa keessatti kan argamtuu magaalaa cimtuu turte (Isa 10:6). Kan dhufuu ari'atama Israa'eli fi fakkeenya ta'e ture. Yeroo kanatti ture mootiin Israa'el kan turee Minaaheen Asoorotaa fi gibira kennuu kan jalqabe.



■ **“Haamaat”** Macaafa Qulqulluu Ankoor galmee jechaa *The Anchor Bible Dictionary*, jildii 3 fuula 33 gaaritti kan ibsameeyaada qaba. Caafii kibbaati baay’inaani kaabi Israa’el daangaa jedhamte yaadama kan turte Soriyaa keessati magaala argamtu turte (1Mot 8:65, 1Sen13:5). MaGochimichis mo’icha warra Asoori mo’ani qabachuu kan barbaadan kan turan yeroo ta’u(Isa 36:19) akkasumas jiraata kan turan kan ari’atamani Isra’eeloota keessati buufatani turan.(2Mot17:24). Magaala Daan irra garaa kaabaatti maayli 150 faggaatee argamaa kan turte bishaan Oraantiis irratti ture.

■ **“Geeti”** Fillixemoonni kibba lixaa Yihuuda keessatti gara garba lafa argamuu irratti bittaa magaala shanii hunda’ee ture, isaan kana keessa afur Amos 1:6-8 keessatti duraan dursee ibsameera (Gaazaa, Ashidood, Ashkaaloon, fi Ekroon). Gaati immoo Milkiyaas 1:10 keessatti ibsameera. Magaalan kun yeroo boodee Asooriin digameera .

**6:3** Geggeesitooti soreessi qullaa ta’uu Waaqayyo 1) Humna Waaqummaatiin yookaan Kes 27-29ti bu’a kakuu 2) Cal jechuu yaalu (TEV) “gatee” (BDB 622, KB 672, *Piel* PARTICIPLE; gochami kun bifa kanaan as keessatti duwwaa akkasumas Kakuu Moofaa keessatti ala lama qofa Isa 66:5 irratti ibsameera) ture. As irratti dhufaatiin jiru gocha godhaniin guyyicha ariifachiisa akka tureedha.

■ **“Teessuma hamaa”** ku 1) Geeggeesitoota Israa’el yookaan 2)Kan Asoor warana dhufuu agarsiisu danda’a “Teessuma” akka “Gonfoo” in hunbana kunnis “mudaama” jecha dhokataadha.

### **Amos 6:4-7**

<sup>4</sup>Isiin siree ilka arbaa irra ciiftanii, iddoo ciisicha keessanii irras isinitti tolee in diriirfattu; hoolota keessaa warra xoxobbee, tuntunoo keessaas warra coccoomoo in nyaattu; isiniif wayyoo\*!

<sup>5</sup>Isin sagalee maseenqootiin waan waa’ee hin baafne in weeddiftu,

Daawitin fakkaachuufis mi’a ittiin weeddisan in baafu;

<sup>6</sup>Isin daadhii waynii soondoodhaan dhuguuf, dibata isa keessaa caalu dibachuu malee, badiisa sanyii Yoseef irratti dhufuuf jiruuf hin gadditan\*.

<sup>7</sup>Kanaafis isin warra booji’ama dura buutanii gara booji’amuu in dhaqxu, inni isin nyaattanii dhugdanii, isinitti tolee iddoo ciisicha keessanii irra diriirfattanishafa.

**6:4-6** Kunni kan soreessa fedhii dhuunfaa dheebuu baasuudhaaf godhamaa kan turee hafeera mdhugaatti bal’a kan ibsudha.

**6:4 “Isinitti tole”** jechichii (BDB 710, KB 756) lakk. 7 keessatti irra deebi’e ibsameera. Alta’aa akkataa barreeffamaa qulqulluu qaba. Kunnis “Gadaam” jechuun” (BDB 1011, KB 1486) wajjiin wal qabatee kan jiru yemmu ta’u yeroo sanatti filisxeem keessatti kan hin baratamiin karaa nyaata ta’uu danda’a. Akkas yoo ta’ee lachuu haara, kan alaatii fi gocha kan aada hin ta’in kan agarsiisudha. (kana jechuun, warri hormaa geggeesitoota Israa’el irratti dhiibbaa isaan godhan.

**6:5 “Akka Daawiit meeshaa Fara kan qopheesitan”** kun seena Far jireenya Daawiit ibsa

1. Daawiit mataan isaa
  - a. Saa’ooliif taphateera Samuu’el isa duraa 16:16, 23, 18:10, 19:9
  - b. Faarfatoota Lew muudeera Sen isa duraa 6:31, 15:1-16, 43, 25:1-31, Seenaa isa 2 29:25-30,
2. Fakkeenya meeshaa Fara Daawiit
  - a. 2Sam 22
  - b. Baay’inaan inni jalqaba lamaan macaafi Far Daawiit (72:72)
    - (1) MT 73 faarfannoota mirkaneessa
    - (2) Sabtuwajeentii 84 faarfannoota mirkaneessa
    - (3) Vuulgeet 53 faarfannoota mirkaneessa
  - c. “Faarfataa minya’aa Israa’el” jedhameera (Samuu’el isa 2 23:1)

“Tapha walaloodhaan ibsuu” gochamii jedhuu (BDB 827, KB 967 Qal PARTICIPLE) hiikii isaa kan mirkanaa’e miti. Kakuu Moofaa keessati bakka kana duwwaa irratti argama. Ibiroota durii “gargarkutuu” yookaan “gargar qoqoduu” jechudha (jechuun, Uma irratti yookaan ija kakuu irratti kufe. “Qindeessu” yookaan “tapha walaloon ibsuu” hiiku jedhuu gaalee araboota irraa dhufeedha.

Qabiyee kana keessatti ibsitooti kan itti fufani jiran kan xurreessu ta’uu danda’a

1. Qooqa Daawit, walaloo
2. Mana qulqullumaa keessatti meesha Far turan

6:6

NASB

“Kan aarsaa saanii golboo”

NKJV,NRSV

“Saanoota golboo”

TEv, NJB

“Saani golboo hundumaa irratti”

Kunni dhugaati isaani irraa (“Saanoota golboo, siini mitii”, REB, “saani golboo waynii guute in dhugdu”) irra keessa kan mi’a qulqulluu (Bau 4:6-8, Lak 7:13) xuraa’umma kan qabuu fayyadama (Daani’eel 5:2) kan ibsu miti. Tokkoon tokkoon isaa Isa 65:11 hunda’ee kana akka shaakala moora ilaaltuutti ilaalu.

## Mataa duree addaa: wayiini fi dhugaatii jabaa

### I. Jechotaa macaafa Qulqullu

#### A. Kakuu mofaa

1. *Yayin* -kun jecha waligalla wayiiniti, innis yeroo 141 fayidarra olee (BDB 406). Hundeen jechaa kana sirritti hin beekamu, sababni isaas hundeen jecha ibirootaa waan hin taneef. Innis kan inni ta’uu dhangaga’aa cunfaa kuduraa fi muduraa, yeroo baay’ee wayiini dha. Dubbisa murasa kan ta’e Uuma.9:21, Seera ba’u.29:40, Seera Lakk.15:5, 10.
2. *Tirosh* -kunnis guushi dha “daadhii waynii”. Garaa bahaa ti halaa qillensaa irraa kan ka’ee, cuunfan wayini erga qopha’ee bodaa kan inni dhangagga’uu jalqabuu sa’aa 6 bodaa dha. Jechii Kunnis kan agarsisuu adamsa dhangaga’uurra wayinii jiruu dha. Dubbifama sirriin Kun Keessa deebi.12:17, 18:4, Isaayas. 62:8-9, Hosee.4:11 ilaali.
3. *Asis* -kun dhugaati alkoolii dha (Iyu’eel1:5, Isayaas 49:26) (BDB).
4. *Sekar* -kun “dhugaati cimaa” dha (BDB 1016). Innis waan itti dabalammu tokko jiraa akka nama macheesuuf. Jecha ibirootan” machii” ykn” machaa’aa” kan jedhuu fayyadamuu. Akka nama macheessu taasisuuf waanta itti dabalannu qaba ture. *Yayin* kan jedhu irraa bukkoo dha (Fak. 20:1; 31:6; Isa. 28:7).

#### B. Kakuu Haraa

1. *Oinos* - jecha Giriikii yayiin wajiin wal gita (Fak.20:1, 31:6, Isaayas 28:7)
2. *Neos oinos* (guushi wayinii) gita Giriikii Tirosh (Mar.2:22)
3. *Gleuchos vinos* Vinoos (wayinii minya’aa, Esiis) – Wayinii haraa reef ga’aa jiruu (Hoji Erg.2:13).

### II. Ittiffayyadama Macaafa Qulqulluu

#### A. Kakuu Mofaa

1. Wayniin kenna Waaqayyoo dha. (Uma 27:28, Far.104:14-15, Mik.9:7, Hos 2:8-9 Iyu 2:19, 24; Amo 9:13, Zak.10:7)
2. Wayinin kennaa haarsa keessa qaama isaa tokkoodha. (Keess.deebii 29:40, Lewoota.23:13, Seera Lakk.15:7, 10, 28:14 Keessa deebi 14:26 Abota Firdi 9:13).
3. Wayinin akka qorichaatti ni tajajilaa (1Sam 16:2 Macaafa Fakk.31:6-7)
4. Wayinin rakkoo qabatama ta’uu ni danda’aa (Nohi- Uumama. 9:21, Looxi- Uumama 19:33, 35, Samson Abbota Firdii16:19 Naabal- 1Sam.25:36 Oriyo 2 Sam.11:13, Aminoon 2Sam.13:28 Ilaah Mot isa 1 20:12, Bitoota- Amots.6:6 fi dubartoota- Amots.4).
5. Wayinin yadaa nama walin dhahuu danda’uusa akkekachisaa wajiin walitii firomaa (Macaafa Fakk.20:1, 23:29-35, 31:4-5 Isaayas. 5:11, 22, 19:14, 28:7-8, Hosee.4:11)
6. Wayinin namoota muraasaf dhorkaa dha (lubootaf Lewoota.10:9, Hizira 44:21, Nazirawootaf, Seera Lakk.6 fi bulchitoota Macaafa Fak.31:4-5, iIsaayas.56:11-12, Hose7:5)
7. Wayiniin akka dhufaati xumurichati fudhatamera (Amots.9:13, Iyu’eel:3:18, Zak.9:17)

#### B. Haftee macafaa Qulqulluu

1. Wayniin yoo hammasaa xiqqessani fayadaman ni gargaraa. (Lal.31:27-30).
2. Barsistoni akkas jedhuu “wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu.” (BB 58L).
3. Wayiniin bishaan wajjiin walitii makamee midhaa hin qabu, garuu minya’ina qaba, gamachuus ni dabala (2Macc 15:39).

### C. Kakuu Haraa

1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat.11:18-19, Luq.7:33-34, 22:17).
3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan (Ho.Erg.2:13)
4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar.15:23, Luk.10:34, 1 Xim.5:23).
5. Geggessitoooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1Xim.3 :3, 8, Tiito.1 :7, 2 :3, 1Phex 4 :3)
6. Wayinin tajajilaa amantiif ni garagara (Mat.22 :1, Mulata.19 :9)
7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat.24:49, Luk11:45, 21:34, 1Qor.5 :11-13, 6 :10, Gal.5:21, 1Phex.4:3, Rom.13 :13-14).

### III. Hubannoo kan Og-Waaqummaa

#### A. Waliin mormii faallaa

1. Wayiniin kennaa Waaqqayyo dha.
2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
3. Fakkenyii kenya kiristosii (Mat.15 :1-20, Mar.7 :1-23, 1Qor 8 :10, Rom14 :1-15, 13)

#### B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu

1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
2. namnii wan waqayyoo kennaf callati fayyadmuun balleseera

Akka malee fayyadamuu irrattii malee wantota irra mitii, rakkoon foon uumama irra hin jiruu (Rome.14:14, 20).

### IV. Aadaa warra Ibrootaa kan jaarraa jalqabaa akkaataa itti danfisan

- A. Dhangaga'uu kan eeggalu battaluma sanati, tilmaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate, keessumtuu haala qillensa ho'aa fi qulqullini isaa hin eggamnee keessati.
- B. Akka aadaa Yihudotaati erra keessa isaatti harofaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu (milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii mabaa wayinii kenuuf ga'aa jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7). Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.
- C. Kanlammaffaaguuyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka "wayinii dulloometi" lakka'ama,
- D. iddoo arsaaf irrattis arsaaf ni dhihataa (*Edhuyyoth* 6:1).
- E. Sefaafu irrattii wayinii ittite (wayini dullome) akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba
- F. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaan sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf. Innis "Wayinii dullome" wayinii jedhama.
- G. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi miheesituu itti dabaluu dhangagaa'umaa isaa hirisuun danda'amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

### V. Ibsa xumuraa

- A. Shakalli kee, kan Og-Waaqummaa fi Kan hiikaa Macaafa Qulqullu kan Yesusiif kan amantoota jaarraa jalqabaa yookiin aadaa kiristaanummaa akka hin tuffachiifne of eeggadhu. Jarri gonkuma kan dhugaatii hin qammansne miti.
- B. Ani fayyidaa alkooliin uummataam qabuuf kann falmu miti. Baay'een kana irratti yaada Macaafa Qulqulluu waan hoo'iisaniif akkasuma olaantummaa qajeelina irrattii kan hundaa'e aadaan/ hundee amantiif irratti kan qabu kan qoqqobu waan ta'eef.
- C. Anaaf Roma 14 fi 1Qor 8-10 jaalalaa fi kabaja irratti kan hundaa'e qabiyyee fi qajeelfama naaf kennu. Kunis amantootaaf tatamsa'ina wangeelaatiif aadaa hundumaa keessatti, bilisummaa kan dhuunfaa utuu hin ta'in. Macaafni Qulqulluun kophaa isaa gochaa amantiif madda erga ta'ee egaa hundumti keenya waa'ee kana erra deebinee ilaaluu qabna.
- D. Of dhowwuu akka jaalala Waaqayyooti yoo fudhanne, waa'ee Yesu maal jenna? Akkasuma waa'ee aadaawwan bara kanaa akka dhaabbataatti waayinii warra fayyadamanu (fakkeenyaaf, Awuroopaa, Israa'eel, Arjantiinaa)

■ **“Urgooftuu bay’ee urga’aadhaan kan dibatan”** dibata fuula irratti fi harka irratti dibachuun mallattoo gammachuu ta’ee tajaajila ture. Kunni gocha isaani itti fufee kan jiruu jecha walaloo wajjin kan deemudha. SababaSabni isaani miidhameef gadda keessa ta’uutu irra ture.

■ **“Waa’ee rakkina Yooseef”** Yooseefi Gibxiitti fuudhe ture. Isaaniis Yaa’qoob kan guddisee ijoolle ama qabu turan (Israa’el Uma 48:8-22). Amma illee kan Masihii hundee sanyii Yihudaa irraa kan dhufee yoo ta’ellee Yoseef muca isa angafa “dhaala dacha” fudhateera. Kan Yoseef ijoolleen lamaan Ifireemii fi Minaase kan jedhaman gosa gurguddaa lama ta’aniiru. Isaaniis Dhaloota Kiriistoos duraa 922 ijoollee Solomoon irraa Rohobaam kan citan kan kaaba gosa kurnan qaama yeroo ta’an Iyoreebi’aam tokko jalaatti bittaa haara eegalanii turan. Isaan bittaa haaran kunni maqoota adda aadatiin in beekamuu turan

1. Israa’el (kan Yaa’iqoob maqaa haara)
2. Samariyaa (magaala gudditti)
3. Efireem (gosa guddaa)

**6:7** isaan kunni Waaqayyoon in beekna kan jedhan haa ta’uu malee waa’ee mataa isaani qofa kan yaadan namoota irratti murtii Waaqayyo kan argisiisudha. Murtii itti murta’ees jiraacha kan turan jireenya wajjiin raawwate faalladha. Akkasumaan yeroo kan balleessaniif nyaataa fi gammachuudhaan tokkoo kan turan booji’amuudhaaniis tokkooffa ta’an.

■ **“Afeera”** jechii kun (BDB 931, KB 634) Kakuu Moofaa keessatti ala lama qofa kan argame (asitti fi Er 16:5). Barreefama Efireemii (barreefamii Ugariit tokkoo) jecha kana fedhii dhuunfa dheebuu Baudhaaf nama du’e kan godhamu nyaataa fi dhugaati wajjiin wal qabata. Akkas yoo ta’ee kan Amos jecha bukkee qaba himi isa ifaadha.

## **Amos 6:8-11**

**Waaqayyo gooftaan ofii isaanitiin kakatee, “Of gurguddisuu sanyii Yaaqoob ijaan ilaaluu na jibbisiise, manneettii isaanii warra jajjaboo nan jibbe, mandarattii, waan ishee keessa guutes darsee nan kenna” jedhee dubbateera Waaqayyo gooftaan maccaa\*. 9 Namni kudhan hafanii mana tokko keessa yoo jiraatan iyyuu, isaanis in du’u. 10 Egaa aantiin namicha du’ee reeffa isaa gubuudhaaf, mana keessaa gad in baasa; Yommus isa gola manichaa keessa jira.**

**6:6-11** UBS,kan warra hiikaan qajeelfamaa kitaaba, fuula 131 lakk. Kunni 5:21-24 wajjin akka deeman tuqaa gaarii ka’eera. Dheekamsa Waaqayyotiin (lakk. 8, 5:24) murtiin Waaqayyo in dhufa!

**6:8 “Waaqayyo gooftaan mata isaati kakateera”** 4:2 irratti qabsiisa jiru ilaali. Amos keessatti ku “kaka” (BDB 989, KB 1396) gochamii jedhuu yeroo baay’ee Yaahiwwen kan itti fufani jiran kanaan osoo kakatuu dubbatameera.

1. Qulqullummaa isaatiin 4:2
2. Mataa isaatiin 6:8
3. Oftuulummaa Yaa’qoobiin 8:7 (cigoo, qoosaa, yookaan gaabbi).

■ **“Waaqayyo gooftaa maccaa”** mata duree adda maqoota Waaqayyoo 1:2 irratti ilaali. Yaahiwwen agarsiisuu fi isaan maqaoonni lamaan kun irra deddebi’uudhaan xiyyaaffanno kana kan irratti godhamuu waamicha godhaniiru.

■ **“Oftuulummaa Yaa’iqoob cigaa’eera”** (BDB 1060, II, KB 1672 , *Piel* PARTICIPLE) yeroo baay’ee kan hin dubbatamne (Kakuu Moofaaa as keessatti qofa) haa ta’uu malee kan ittiin mormamuu jecha cimaadha (maxansa lamaa ilaali BDB “jibba” KB “waan jibisiisa xura’umma gochuu” “jibbaa” (BDB 971, KB 1338, 5:21) jecha jedhuu wajjiin wal qabatee kan deemudha.

**“Oftuulummaa”** (BDB 144) jechuun “gammachuu” “ulfina” yookaan “dandeetti guddaadha”. Fara 47:4 keessatti gara \*Israa’el bifa sirriidhaan dhiyaateera. Qabiyyee kana keessatti lakk. 4-6tti kan jiruu ilaalata. Wal qabatee kan jiruu jechi bukkeedhaan 8:7 irratti ilaali. Galumsii Israa’eel kan hin taane “ulfina” murtii Waaqayyo fudhateera (Hose’a 5:5, 7:10).

**6:9-10** Kunni walaloo osoo hin ta’iin dubbifama barreefamaati.

**6:9** “**Namoota kudhan**” lakk. Kun Yihudootaaf barbaachisaadha sababi isaa lakkofsichi waaqeffannaa fi walitti dhuufenyaa haawasummaa kan biraatiif, tarii garee humna waranaatiif kan barbaachisuu lakkoofsa guddaa waan ta’eef sababaa bu’a lakk.10 murtiin kun 5:3 wajjiin deemu danda’a.

**6:10** Lakk. Kun kan Israa’el magaala gudditti Samariyaa marfamuu ishee kan ibsu fakkaata. Namooti baay’een du’an akkasumas haala nama dhiphisuun baay’inaan qaami nama walumatti qabaatti kan gubatan ta’u (8:3).

■ **“Firoma namaa kan guban”** gaalee kana kan ilaalate gaafiillee baay’een ka’an jiru

1. Namooti lamaan kun lamaa moo tokkoo?
2. NASB “inni kan gube” jedhamee kan hiikame” “kan gube” jechi (BDB 976) maal jechudhaa?

Gaaffii lakk. 1 Goochimni kun kan agarsiisuu lakkoofsonni hafaan waliwali saani kan dudubatan namoota adda addaa lamaadha (kana jechun, mana boqonna keessatti name tokkoyyu kan hafee hin jiru). Gaaffiin lakk. 2 yaada rimmee baay’ee mul’achaa turaniiru.

1. Qama du’an kan gubuu
2. Reefoota tursiiftuu yookaan akka hin tortorreefi qoricha dibuu
3. Karaa nama du’eettiin ta’ee hixaana kan aarsu
4. Karaa nama du’eettin ta’ee aarsa kan dhi’eesu
5. Kan mootiti dhihoo waamicha walqabatee jiru, waamichi jalqabaa garee keessanitti kan dhiyaate firaa fi isaa lamaaffa fi immoo fira abbatti kan dhi’aate jechuu ta’uu danda’a.

Lakk. Koo 1 fi lakk.5 fillatamaa nati fakkaata. Haa ta’uu malee lakk. 4 fi 6 keessatti nama du’ee waamichja godhamuu wajjiin kan argamuu ta’uu danda’a.

■ **“Maqaa Waaqayyo akka waamnuuf nuuf hin ta’uu waan ta’eef cal jedhi jedha”** kunni barrumsa haafuraatti lolicha eenyu akka erge mirkaneessa. Murtii bal’aa booda Israa’el keessatti yeroon murtii dhabamee kan turee ulfinni qulqulluu Yaahiwwe dhuufeera. “Cal jedhi” (BDB 245, jecha rajjeeffannoo kan Ibirootaa) argamuu Yaahiwwee (Ibr 2:20, Sof 1:7, Zak. 2:13) fi murtii (Zak. 8:3) xumarii dhiyaateera.

**6:11** Kun lakk. 8-11ti xuqaa xumurati. Murtichii (biyya alaatti, kana jechun warri Asoor) guddaa fi xiqqaa irratti bu’a (kana jechuun, uummata hundumaa irratti). Eenyu jal’aa Bau hin danda’uu (5:18-20).

■ **“Diiguudhaan...caccabsuudhaan”** jechi jalqabaa (KB 1249) hiiki kan mirakana’ee miti.

1. Arca’aa uummataa (weedu weedoota 5:2)
2. Nyaata murmuruu
3. Caccabsuu yookiin daakuu

Jechii lamaan (KB 149) hiiki isaa banuudhaa fi cabsuu (Fara 141:7) akka gamoo (Isa 22:9). Bifni gochamicha gara ciccituu tarsi’utti agarsiisa (*Eiel*). David Allan Hubbard, Iyyuudhaa fi Amos (hiika Kakuu Moofaa Tiindaal) akka mirkanessatti jechooti lamaan kunni warana utuu hin ta’iin waranaa caala sochii lafa ta’a. Dabataniis Amos keessatti bakka biraatti sochi lafaa ta’uu jedhee kan inni yaadu barreefamni fuula 198 irratti ibsameera (1:1, 2:13,8:8,9:1-6)

## **Amos 6:12-14**

**12** Fardeen dhagaa kakattaa irra in fiiguu ree?

**Namni qotiyyoodhaan galaana in qotaa ree? Isin garuu wanta hadhaa ta’utti, qajeelina hadhooftuutti geddartaniittu\*. Isin warra mandara Lodbaar ishee “waan tokkotti hin galle” qabachuutiti gammaddanii, “jabina keenyaan mandaraKarnayiin ishee ‘Gaanfee’ jedhamtus fudhane” jettanii of jajattaniittu\*!**

**14** Waaqayyo gooftaan maccaa immoo

**“Yaa mana Israa’el, kunoo, ani saba tokko sitti nan kaasa,**

**inni immoo karaa mandara Haamaat isa gara bitaatii jalqabee**

**hamma dacha lafa duwwaa isa gara mirgaattis si cunqursuuf jira” jedhee dubbateera\*.**

**6:12** Ibiroota keessatti isaan gaaffilleen jalqabaa lamaan rakkisoodha, haa ta’uu malee gochaa hin baratamne akka argisiisuu ifaadha. Isaan kanaaf gaaffii gowoomsa lamaan deebiin eegamuu “miti” dha dabalatanis saba Waaqayyootiif murtiin gara hadhooftutti jijjiramuun kan hin baratamneedha.

■ **“Faradolleen amma lafa gogaa irra ingulufuu” “gogaa”** (BDB 700) dhagoota gurguddaa yookaan immoo lafa dhagaa ol ka’aa yookaan bu’aba’ii irra kan gulufaan fardoota ilaalata. Ifatti kan mul’atu deebi isaa miti .

■ **“Qotiyoon asi isa irra in qotuuhi”** MTs sagalee dubbachiiftuu “dha’aa galaana marashaa” jedhamee dubbisuu fi jijjiiruun in danda’ama (NRSV, TEV, NJB) kun kan ta’uu “qotiyoota” kan jechoota baay’ee dhumaa isaa akka jecha adda ba’ee “galaana” fudhachuudhaan. Kun qabiyyee isa bifa foyaa’een ibsa. Akku akkuma 12 gocha hin danda’amne jechuudha gaaffillee afraniif kan eegamuu deebiin “miti”.

■ **“Murtii...ija tolaa”** 5:12 irratti qabsisa jiru ilaali.

**6:13 “kan isin gammachiisuu”** goochimni Ibiroota kun kan inni argisiisuu mo’icha lola lamaani sababa oftuulummaa Israa’elii fi gootummaadha. Israa’el mata isheetti humna waranaan of jajuu fi in amanati turte, haa ta’uu malee Waaqayyo kan foyaa’e karaa biraatiin humna warana israa’eliin in balleesse (lakk. 14, Asooriin)! Asoori isaan ibsaman magaaloota lamaan bifa wal fakkaatan kaaba in dhufuu.

■ **“Loodbaar”** magaalaa kun gara bahaa Joordaan irratti bakka Gili’aad keessatti akn argamtu turtemaqaan kun (BDB 520) “waan tokkollee” hiika jedhu qaba.

■ **“Gaafaa humna keenya (Kaariim) kan fudhane miti”** kun Yordannoos keessatti kan argamuu bakka bira akka ta’e ifa dha waamichi maqaa kanaa (BDB 902 ) “Gaanfaa lamaa” jechuu yeroo ta’uu humna ture kan argisiisu ta’uu danda’a. Isaan Magalonni lamaan Iyoorobi’aam isaa lamaadhaan qabamee ture (BDB 782-753 Dhaloota Kiriistoos duraa)

Ilaalcha barumsa hafuuraatiin Goochimni kun Israa’el humna warana mata isheetti magaala kana to’annoo jal’a akka oolchite kan agarsiisu yeroo ta’u kun immo ammas deebi’ee lola qulqulla’a sana karaa faalladhaan kan raawwatamee ture. Humna Yaahiiweetii (fakkeenyaaf Ba’u 13:3, 14, 16) ture, uummati Yaahiiwee waranicha akka mo’an in godha ture, kun humna mataa isaanitiin kan raawwatamee fakkeessuf kan Israa’el oftuulummaa isaani biraaf mallattoo kakuu dhiisuu isanitti .

**6:14 “Ani sabakoo isitiin kaasa”** kun kan ilaalatu wwarra Asoor.

■ **“Itti lixaa Haamaat jalqabee hangaa garba Arbaa”** jechi duri kun ga’umsa lafa kakuu isheetti (Lak 34:7-8, Iya 13:5, Abboota firdii 3:3, Mootota isadura 8:65, Mootota isa 2 14:25) Yihuuda irratti jijjiirama fida.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Maaliif Waaqayyo gosoota kaaba irraa aarsaa hin fudhane?
2. Maaliif Waaqayyo gochaa uumu isaati xiyyaafannoon kan itti kennamee? (lakk.8-9)
3. Maaliif Amos 5:25-26 hiikuun cimaa kan ta’eef?
4. Amos qabeenyaa inni balaaleffacha jiruu fi seeri aarsadha yookaan wanti biraa maal inni?

# AMOS 7

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Mul'ata awaannisootaa	Firdii Waaqayyoo shanii fi raaj haarominaa (7:1-9:15)	Mul'ata awaannisootaa	Mul'attoota (7:1-9:10)
7:1-3	7:1-3	7:1-3	Mul'ata jalqabaa awaannisootaa
Mul'ata Ibibdaa		Mul'ata Ibibdaa	7:1-3
7:4-6	7:4-6	7:4-6	Wa'ee gogiinsaa mul'ata jalqabaa
Mul'ata Safartuu		Mul'ata Safartuu	7:4-6
7:7-9	7:7-9	7:7-9	Mul'ata Safartuu Isa sadaffaa
Himannaa Ameesiyaas 7:10-13	Amos fi Amasiyaas 7:10-13	Amos fi Amasiyaas 7:10-13	7:7-9
7:14-17		7:12-13 7:14-17	Amesiyaas mirga raajii dubbachuu Amos dhorke 7:10-13

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shaniin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### ILAALCHA QABIYYEE

- A. Boqonnaa 7-9tti kan jiran isa dhumaa kutaa barreefamaati. Macaafichii kutaa saditti qoqodamuu danda'a isaaniis:- (1) Saba irratti murtii godhamuu (2)Yihudaa fi Israara'el irrattii murtii godhamu (3)Mul'atowwaan Amos
  1. Mul'ati Amos kuta gurguddaan isaa akka itti fufee jiruu ta'e tarreefamuu danda'a
    - a. Boqonnaa 7 mul'atoowwaan sadaan
    - b. Boqonnaa 8 mul'ata tokko
    - c. Boqonnaa 9 mul'ata tokko

2. Mul'atawwaan murtii
    - a. Hawwaanisa 7:1-3
    - b. Ibidda (ta'uu kan qabu beela, 4:6-8, 8:11-13) 7:4-6
    - c. Tuumbii (ta'uu kan qabuu daannoo dadhabaa) 7:7-9
    - d. Ija qarmii 8:1-3
    - e. Sochii lafaa 9:1-2 (dabalataanis ta'uu kan danda'u 8:7-10)
  3. Isaan mul'atni kun sirrimatti Waaqayyo Amoosiin tiksummaa irraa gara raajummaati kan waamee karaa sagallee raajii ta'uu danda'a. Raajichi haraara gaafata (Mul'ata 1 fi 2), haa ta'uu malee hameenya waaqa tolfammaa waaqessuu fi qalbi jijjirachuu dhiisuu murtii barbaachisaaf ture. Isra'eelonni murtii kana gara isaanitti kan fidee cubbuu isaanitti malee dadhabbi Waaqayyo yookiis hir'ina gara laafumaa akka hin taane isaan hasoofsiisu qaba (Yihudaas dabalatee of eegachisa akka ta'e.
- B. Amos 7:10-7 tti kan jiruu adda kan ta'ee dha sababii isaa
1. Waa'ee Amos raga kan kennuu seenan jireenya isaa (Mul'ata isaa keessaa ammamtuu qonnaa wajjin wanti wal qabatee akka jiruu hubadhaa
  2. Kan biraan kuta mata dure xiqqaa macaaficha nama isa tokkootiin kan barreefame yeroo ta'uu mata duree xiqqaan kun garuu nama sadadhaan kan barreefameedha.

## QAYYABBANNA JECHAA FI GAALEE

### Amos 7:1-3

<sup>1</sup>Wanta Waaqayyo gooftaan mul'ataan anatti argisiise isinitti himuufan jira.

Kunoo, marga isa duraa mootichaaf erga haamanii booddee,  
marga isa deebi'ee biqilutti gurmuu hawaannisaa yaase,

<sup>2</sup>Hawaannisichi biqila lafaa nyaate fixuuf jennaan,

“Yaa Waaqayyo gooftaa ko, Yaaqoob ilma xinnaa waan ta'eef,  
attamitti kana dura dhaabachuu danda'aree? Ati dhiisiif!” nan jedhe\*.

<sup>3</sup>Yommus Waaqayyo isa itti fiduuf yaade in dhiise; gooftichi, “Kun itti hin dhufin!” jedhe\*.

7:1 “Waaqayyo gooftaan akkas natti argisiise egaa” seensii kun mul'atichii wali wajjiin deemuu isaa argisiisa (7:1, 4, 7, 8:1, haa ta'uu malee 9:1-10tti miti).

■ “Uume” isaan mul'ati kunni fimurtinn Waaqayyo mataa isaa irraa kan dhufan turan (BDB 427, KB 428, *Qal* PARTICIPLE, MASCULINE SINGULAR).

■ “Gurmuu Hawwaanisaa” kan akkasi gidiraan saba Waaqayyo ajaja aboomoota isaa kan hin eegne isaan irra ga'aa kan turee abarsowwaan tokko akka ture Bau 10:12 keessatti tuqameera. Afaan Ibirootaatiin “Hawaannisoonni” jechii jedhu kan ibsan yeroo kudha lama ol jechoota adda ta'ee qaba. Kunnis kan argisiisuu rakkinooni kun hangam akka barratamanii fi sodaatamaa akka turaanidha. Jechi kun gosa Hawaanisichaa yookiin adeemsa guddinna isaani kan argisiisan akka ta'e wanti mirkanaa'e hin jiru (Iyyu'eel 1:4, 2:25).

■ “Margii gara booda yeroo biqiluu jalqaba irratti” kun kallattiin kan argisiisuu “guddina duraan turee” (BDB 545,) dha. Kun marga yookiis midhaan kan argisiisuu akka ta'ee kan mirkanaa'ee hin jiru. Dabalataniis guddinni lammaan yookaan immoo irra deebi'ee dhaabuu jechuu akka ta'ee kan beekamee hin jiru. Kunni Ebla booda yeroo jiruu ta'uu danda'a. Bokkaan duraa sanyiin sun utuu hin quuqin fuula dura roobutuu irra ture. Midhaan kun yoo bade amma waggaa dhufuuti midhaani hin jiraatu!

■ “Haama mootichaa booda” kun kallaattiin “muruu” (BDB 159) jechudha. Goochimni kun mootichi laficha haama jalqabaa akka gibiraati fudhachuu isaa beeksisuuf kan dhi'aate miti. Walummaa galatti Kakuu Moofaa keessatti qoodi akkasi mootiif kan kennamee as duwwaa irratti. Gaalichi ta'ii kanaa kan ta'ee afraasa keessa ta'uu isaa argisiisuu toofta dhi'aateedha.

7:2 “Erga fixaani boodaa” gochami kun (BDB 477, KB 476, *Piel* PERFECT) “Kan raawwachuu” yookaan “kan balleessu” haala barreefama qulqullu qaba (Niddot, maxansa 2, fuulaa 641). As irratti miiraa lammaaniif tajaajila.



■ **“Annis jedhee”** ammamillee raajooti irra deddeebi’ani karaa Waaqayyootiin kan ta’ee saba kakuutii fi kan dubbatan yoo ta’ees baay’inaan garuu akka gidduu dhaabataatti ta’e in tajaajila (Ba’uu 32:11, Er 15:1, 18:20, Hiz 9:8, Dani’eel 9:15-19).

■ **“Waaqayyoo goftaan”** kun Adoonii fi Yaahiwwee (Er 14:7, 20, 21, Hiz 9:8, 11:13). 1:2 irratti maqaan Waaqayyoolli kan jedhuu mata duree addaa ilaala.

■ **“Akka haraara hin goone sin kadhada”** kun (BDB 669, KB 757 *Qal IMPERATIVE* dha. gochama jecha hin xumuramne. Jechii kun yeroo baay’ee ilma namaatiif dhiifama Waaqayyoo ibsuudhaaf kan tajaajiluudha (Robert B. Girdlestone, *Synonyms of the Old Testament* fuula 135-136 irratti ilaalaa). Amos raajiin hawaasicha irratti kan faradu haraara kan gaafatu ta’e. Ergaan murtii isaa kan hin tasgaboofne muriin isaa kan fiduu ifatti akka hin mul’atne godhe ture! Kan Amos Waaqayyoon dhiifamaa gaafachuun bu’aa hin qabu. Kunni (1) Murtichii dhiisuu yookaan; (2) tokkoyyuu murtii hin barbaachisu cubbuu isaani dhiisiif jechuu ta’uu danda’a. Amos kan jalqaba mul’ati isaa lamaan gaafii wal fakkaata kana fakkaatan dhi’eesera. Ta’us garuu Amos kadhata isaa yeroo kadhatuu Yaahiwween akka lakkoofsa tokkootti akka gargaaruu yaadeti.sadaffaafi afran mul’atichi yeroo ibsaman haraari tokkuuyyuu keessa isaanitti hin ibsmne, sababii isaa qalbiin jijjiranaan tokkoo iyyuu hin ture! Yeroo boqonnaa isaa kan itti caale hameenya isaa malee hara’umsa haafuraatii fi hin fayyadamne. Obsaa fi haraari gara dheekamsaati jijjirameera (7:8, 9, 8:7, 10, 11)!

**7:2, 5 “Yaa’iqoob xiqqaadhaati”** oliyyannoon raajicha jechuun hawaasicha “fedhii” malee sabichi kan qabu “walitti dhuufenya kakuu” akka hin taane hubadha. Waaqayyoo sanyii Abirahaam (1) akka urjii Waaqa (fakkeenyaaf Uumamaa 15:5), (2) Akka ciracha galaana bukkee jiruu (fakkeenyaaf Uma22:17) fi (30 akka iracha lafa (fakkeenyaaf Uma3:16) akka baay’isuu kakuu gale ture, haa ta’uu malee amma kan jiran xiqqoo turan!

**7:3**

**NASB, TEV** “Waaqayyoo waa’ee kanaaf in gaabe”  
**NKJV, NRSV,**

**NJB** “Waaqayyoo kana kan ilaalate yaada isa jijjireera”

Kunni kan Arabaa jecha hundee qabeessa hiiki isaa “gadi faggeenyaan hafuura baafachuu” (BDB 636, KB 688, *Niphal PERFECT*) jechudha. Kun jecha dhokataa namaati, hundeen jecha kana miira gadi fagoo ibsa (kan Robert B. Girdlestone, *Synonyms of the Old Testament* fuula 87-88 irratti ilaalaa). Jechii kunni maqaa raajicha Naahom irratti ibsameera. Macaafa Qulqulluu keessatti Waaqayyoo yaada isaa akka jijjiiruu fi akka dadhabuu irra deddeebi’amee yeroo baay’ee ibsameera (Lakk. 6, Uma18:22-32, Lak 14:11-20, Iya 7:6-13, Mootota isa 2 22:19-20, Fara 106:45, Er 18:1-16, 26:3, 13, 19, Yoonas 3:10). Waaqayyoo (1) kadhataa keenyaa fi (2) Amala gara laafumaa fi jaalala isaatiin (Bau 3:7, Abboota 2:18, Hose’aa 11:8-9, Iya 2:13-14, Amos 5:15). Haalota ka’an jijjiiru danda’a, ta’us garuu uumamni Waaqayyoo kun yookaan akeeki isaa kan oli gadi rukkutamuudha jedhamee ilaalamu in qabu. Inni hin jijjiramuu (Lak 23:13, Samu’eel isaa duraa 15:29, Milkiyaas 3:6, Ibiroota 13:8, Phex 1:17).

### **Amos 7:4-6**

**<sup>4</sup>Wanta Waaqayyoo goftaanmul’ataan anatti argisiise dabalee isinitti nan hima;  
Kunoo, Waaqayyoo goftaan firdii biyya sana irratti raawwachuudhaaf,  
ibidda irratti in waame ibiddichis galaana guddaa isa lafa qotiisa xaph gochuuf jedhe\*.  
<sup>5</sup> Kana irratti “Yaa Waaqayyoo goftaa,  
Yaaqoob ilma xinnaa waan ta’eef, attamitti kana dura dhaabachuu danda’aree?  
Ati wanta kana irraa ittisi!” nan jedhe. <sup>6</sup> Yommus Waaqayyoo goftichi,  
“Kunis immoo itti hin dhufin!” jedhe.**

**7:4**

**NASB** “loluu”  
**NKJV** “Walitti bu’uu”  
**NRSV (footnote)** “Murtii”  
**TEV** “Adabuuf qopha’uu”

Jechi kun (BDB 936) qabiyyee kanaan Israa’el irratti kan godhame waamicha komii agarsiisa (fakkeenyaaf, Hose’aa 4:1, 12:2, Mikiyaas 6:1-2).

■ **“Abiddaan”** abiddi yeroo baay’ee mallattoo murtii ta’ee tajaajila (fakkeenyaas 2:5). Asitti haala qabiyyee qonnaa keessatti abiddi tarii o’aa aduchaa yookaan immoo biqiloonni sababa hawwaanisaatiif baali isaani kan irraa harca’ee ta’uu isaa argisiisu danda’a . (jechuun, burqowwaan, laga, bokkaa, k.k.f 1:2, 4:6-8).

### Mata duree addaa: Abiidda (BDB 77)

Abiddi lammeenuu isa qabatamaa ta’e hiikoo dhiibbaa qaba. Macaafa Qulqulluun,

#### A. Ni ta’a (Positive)

1. Ni ho’isa (Isa 45:15; Yohaa. 18:18)
2. Ifa (Isaa. 50:11; Maat. 25:1-13)
3. Ni bilcheesse (Sera Ba’u 12:8; Isaay. 44:15-16; Yohaa. 21:9)
4. Ni Qulqulleessa Seera lakkoofsaa 31:22-23; Fakke. 17:3 Isaaya. 1:25; 6:6-8, Eermiy. 6:29; Milk. 3:2-3
5. Qulqullumaa (Umama 15:17 Seer Ba’u 3:2, 19:18 HIsq. 1:27 Ibroo. 12:29)
6. Geggeessumaa Waaqayyoo (Seera bau13:21. Seera lakkoofsa 14:14, Mooto 1 18:24)
7. Human Waaqayyo ergam. 2:3.

#### B. Alta’a (negative)

1. Ni guba (Iyya. 6:24, 8:8, 11:11 Maat. 22:7)
2. Ni balleessaa Umama 19:24, Leewo. 10:1-2)
3. Dheekkamsa Seera lakk. 21:28 Isaaya. 10:16 Uma a. 12:6
4. Adabbii Umama 38:24 Leew. 20:14, 21:9 Iyya. 7:15,
5. Mallaattoon Hafuura dogogoraa (Kan xumuraa) (Mullata 13:13)

#### C. Dheekkamsa Waaqayyoo cubbuu irraati kan mullatu bifa ibiddaatiin

1. Dheekkamsi isaa ni boba’a (Hose’a 8:5 Sofooniyaa 3:8)
2. Innis addaa baase. (Nahiimiyaa 1:6)
3. Abdda baraa baraa (Ermi. 15:14, 17:4)
4. Murtoon dhumaa (Maat. 3:10, 13:40, Yohaa.15:6, 2ffa Teseloon 1;7 2ffa pheexi 3:7-11 mullata 8;7, 16;18)

#### D. Macaafa Qulqulluun akka jirutti faloota hedduu (jechuu Raaciti, Leenca) Ibiddas Eebbas Yookiin abaarsa ta’u danda’a, Naannowaa macaafichaarratti hundaa’u.

■ **“galaana guddaa”** kun lafa jalatti burqaa lagaa bishaan ta’ee argisiisa (Uma 1:2, 7:11, 49:15, Fara 36:6, Isa 51:10). Kunni kan durii isaa beekamaa kan Mesopotamiyaa (Iraaqi ammaa) saba Sena’ool kan ta’ani fi Baniloon kan fudhatee jecha seena afaani yemmuu ta’uu Kakuu Moofaaa keessatti garuu seenaan afaani ibsi qulqulla’aan kun guutu guutuutti hafeera. Qabiyyee kana keessatti kuni loltoonni alaa Israa’eeliin akka balleessan Waaqayyoo hiyyama jiraachuu isaa argisiisa.

**7:5 “Akka dhiistuuf sin kadhada”** kun (BDB 292, KB 292) kan biraan gochama jecha xiyyaafannoo barbaadudha. Ta’uus garuu raajichi asi irratti dhiifamaaf ol-iiyannoo gaafacha jira osoo hin taane murtiin akka dhaabatuuf kadhacha jiraachuu isaa hubadha. Yaahiwween haraaraan kan guuteedha, haa ta’uu malee obsii Isa dhuma qaba (8, 8:1).

**7:6** 7:3 irraatti yaadannoo jiru ilaala.

### Amos 7:7-9

<sup>7</sup>Waaqayyo waan tokko immoo mul’ataan anatti argisiiseera; Kunoo, gooftichi fo’aa tumbii isa ittin masaraa qajeelchani ijaaran harkatti qabatee, masaraa akkasitti ijaarame irra in dhaabata ture.

<sup>8</sup>Inni, “Yaa Amos, maal argita?” naan jedhe; Kana irrattan, “Tumbii nana arga” jedhee deebiseef; gooftichii immoo,

“Ilaa, tumbii ittiin jalinni saba koo Israa’el qoramee ilaalamu isaanitti nana qaba;

**ani deebi'ee irra isaaniif hin darbu\*.**

**<sup>9</sup>Iddoon ol jedhoon warri maatiin Yisihag irratti sagan hundinuu in onu;  
iddoo qulqullaa'oon warri kan Israa'el in diigamu;  
mana Yeroobi'aam irrattis billaadhaan nan ka'a" jedhe\*.**

7:7 “Gooftaani kan hojjetan gamoo tumbii irra dhaabatee ture” kun bakee irratti dhagaa fudhatanii kan hojjeetamee gamoo dhadabaa kan argisiisuu fakkaata. Yeroo boodee dhagaan kun bakka isaani gadi dhiisani tokkoo illee kan hin jabaanee fi kan kufan ta’u.

■ **“Tumbii”** jechii adda kun (BDB 59, KB 71) Kakuu Moofaa keessatti kan xuqamee as irratti qofa. Meeshaan ijaarsa sun (fiixee isaa irratti sibili kan godhamee sibaagoo) kan turee yemmuu ta’uu kallattidhaan ijaarsawwaan mirkaneessuudhaan in fayyada. Sanyiin namaa kun Waaqayyo irraa seera ittin bulmaata itti adda Bau irraan kan ka’ee murtii dhufee kan ibsuu fayyadama jecha dhokataati (2 Mootota 21:13, Isa 28:17, 34:112, Faaruu Er 2:8).

Ammam illee baay’een hiikii ingillii waa’ee “tumbii” olittii kan xuqamee hiika qabiyyee kan fudhatan ta’anis kanaafis jecha ergiffannoo Kalidoota “Naasii” hiiki isa sirriin ta’uu akka qabuu qabxii wal falmisiisuu kaasuun hin danda’ama. Kun akkas yoo ta’ee kan yaadamuu “salphaati dhorkuu” kan ta’ee kellaa naasii (jechuun, sibila dahdabaadhaan kan hojjetamee keenyan, Naasii) kan ibsuu jecha dhokkata akka ta’eedha. Raajonnii baay’een yaada sibilichaa fayyadamuu (Er 15:20, Hiz 4:3). Haa ta’uu malee kamiin yoo ta’ee iyyuu kun mul’ata murtiti. Israa’el humna waraana isheetiin kan eegaltee fi haala jireenya haafura isheetiin sirrii akka taate yaadi garuu miti.

7:8 **“Kana boodee immoo irra hin darbuuf”** kun kallattidhaan “kana boodee (BDB 414, KB 418, *Hiphil IMPERFECT*) immoo irra hin darbuuf” (BDB 716, KB 778, *Qal INFINITIVE*) jechudha. Amos hameenya Israa’eel gadi fageenya isaa hubachuu isaa irra kan ka’ee hubachuu isaatiin kadhachuu isaa dhiseera.

7:9 **“Kan bakka ol ka’aa...maneen qulqullummaa”** isaa kun “bakka ol ka’aawwaan” (BDB 119) kan isaan argisisaani kan naannoo bakka waaqeffannaawwaan barsiisoota (“in digaama” BDB 1030, KB 1053, *Niphal PERFECT*), yemmuu ta’uu “maneen qulqullummaa” (BDB 874) kan jedhu immoo Iyoroobi’aam I (Dhaloota Kiristoof fuula dura 922 magaalaa Daanii fi Bet’elitti kan jalqabaman waaqeffanaan biyyicha (“kan barbadaa’an” ta’u BDB 351, KB 349, *Qal IMPERFECT*) in argisiisa.

■ **“Mana Iyoroobi’aamitti”** kun Dhaloota Kiristoos dura 922 hojjeetootaa fi gibira irratti sababa dhiibbaan tureef mucaa Solomoon Roobi’aam irratti kan irratti ka’aan gosoota kurnan kaaba kan geggeessuu Iyoroobi’aamiin I ilaalata. Xuqaa dhugaa kan ture mootichi kan mata isaa baay’ee dureessa maati ba’a fagoo degeeruudhaaf haawasicha irratti dhiibbaa in geggeessa ture (1Mot 11).

■ **“Billaadhaan”** billaa (jechuun waraana) lakk.1 gurmoo haawannisa dhiphinaa wajjiin kan wal qabatee deemuudha akkasumaas lakk. 4 keessatti abidda nama fixuu wajjin kan wal qabatuudha.

## **Amos 7:10-13**

**<sup>10</sup>Kana booddees Amaasiyaan lubni Bet’el,  
Yeroobi’aam mootii Israa’el gidduu dhaabaatee sitti korateera;  
wanta inni dubbates lafti baachuu hin danda’u\*.**

**<sup>11</sup>Namiichi, ‘Yeroobi’aam billaadhaan in du’a,  
namoonni Israa’elis biyya isaanitti inuma baafamu, jedheera” jedhe.**

**<sup>12</sup>Amaasiyaan yommus Amosiin,  
“Yaa namicha mul’ata argituu, asii adeemii, biyya Yihudaati baqadh!  
Achitti raajii dubbadhuu ittiin buuddeena nyaadhu\*!**

**<sup>13</sup>Bet’el iddoo manni qulqullummaa inni mootichi keessatti sagadu,  
manni sabni mootummaa kana itti wal ga’us jirudha;  
asitti matumaa deebitee raajii hin dubbatin!” jedhe\*.**

## **7:10-17**

Kan akka kanaa Waaqayyoon kan dubbatuu fi geggeessa mana qulqullummaa Bet’el giddutti kan jiruu mudannoo qabiyyee murti adda addaatti qoqodamuu danda’a.

1. Gurmuu haawannisaa, 7:1-3
2. Abidda yookaan gogiinsa, 7:4-6 (8:11-13)
3. Tumbii 7:7-9
4. Ija qarmii 8:1-3
5. Sochii lafaa 9:1-2 (ta'uu kan qabuu 8:7-10)

**7:10 “Luba Amasiyaas”** kun Bet’elitti angafa lubaa (targum) kan warqee jabbii biyyoolleessa bakkoota waaqeffannaa irratti geggeessaa lubaa tureedha. As irratti hawaasichi bakka bu’oota Waaqayyo lamaan bitaacha utuu itti galani argina. Lubichi fi raajichi lamaanuu Waaqayyof akka dubbataniif lamaan isaani Waaqayyo aboo akka isaani kenne in dubbatu.

■ **“Yerobi’aam”** kun yeroo kanatti kan ture mooti Israa’el Iyoorobi’aam II (1:1) in argisiisa. Yeroo muudama mooti yeroo baay’ee irra deddeebi’ee akka argamuu angafa lubaa irraa gara angafa lubaatti adda addaa

1. John Bright, 786-746 Dhaloota Kiristoos Dura
2. E. J. Young, 783-743 Dhaloota Kiristoos Dura
3. R. K. Harrison, 782/81-753 Dhaloota Kiristoos Dura

Seenewwaan Kakuu Moofaa haaloota yeroodha wajjin kan wal qabatan rakkina baay’ee qaba

1. Seena hawaasa biyya lafaatii fi Kakuu Moofaa giddutti kan argman qopha isa riqaa Dhaloota Kiristoos Dura 608 keessatti kanture waraana Karkimishiti.
2. Mudaamni mootota waliwali isaani wal keessa jiru (wali wajjin mo’uu)
3. Kan Babiloonitii fi kan Filisxeemoota yeroo muudama mooti isaani kennun adda kan ta’eedha (jechuun, kafaltiin waggichaa lakkaa’uu yookiin lakkaa’uu dhiisuu)

■ **“Amos siratti ka’eera”** Amasiyaas Amosiin ganuu siyaasatiin komateera (“irratti ka’uu” BDB 905, KB 1153 jecha xumuramee jecha kanaaf fakkeenya fayyadama isaa 2 Sam 15:12, 2 Mot 11:14, 15:15 ilaala). Baha dhihootti dhi’oo kan turan moototni waa’ee haasa raajoota isaanitii fi hawaasicha giddutti beekamti qabaniin baay’ee ilalcha damaqaa ta’ee kan qaban yeroo ta’uu wanta gadhee ta’es akka in raajne in sodaatu turan.

■ **“Lafatiinis jechicha hundumaa baachuu in dandeesu”** Amos Bet’elitti dubbacha jira. Hundumtuu kan macaaficha waa’ee kallatti lafaa kan kennaman teessuma Bet’el irra ka’uudhaan. Ta’us garuu Goochimni kun Amos Bet’el irratti qofa utuu hin ta’iin kaabaatti bakka baay’ee irratti akka dubbate in argisiisa.

“Ba’aa” (BDB 465, KB 463, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT) gochami jedhuu dheekamsa Yaahiwwee baachuu akka jechuu ta’ee tajaajilu danda’a (Iyyu’eel 2:11, Er 10:10). Israa’elonnoo Amosiin dhagaa’a turan.

**7:11 “Amosi Yerobi’aam billaadhaan du’aa jedheerahooti”** kun Yerobi’aam II argisiisa. Amasiyaas dubbii Amoosiin haga tokko ta’us waliin dha’ee dubbateera, haa ta’uu malee dhugaan isaa kun ergaan isaa ija kan qabu ture.

■ **“Israa’el biyya isaa irra booji’ameein deema”** kun kan jeequ labsii murtii ture. Biyyatti abdi kana boodde eegumsa Yaahiwwee jala miti! Kan ta’ee wanta faallaadha. Biyyatiin abdi waraansa Yaahiwwee jala jirti. Israa’elonni gahee lafa qotee bulaa isaani abbooti taayita akka dhaalaniif iyamtee ture (soresootaa fi hamootaa fi warra dhiibbaa uumaniin) kanaafiis amma Yaahiwween sagallee abdi isaa dhiiseera! Amosiin boji’aamuun Iasraa’el yeroo baay’ee xuqameera (4:2-3, 5:5, 27, 6:7, 7:14, 9:4, 14).

**7:12 “Deemii... baqadhuu”** isaan lamaan kun (“deemi” BDB 229, KB 246, “baqadhu” BDB 137, KB 156) jecha xiyyaafannoo barbaadaniidha. Itti fufee lakk. kana keessatti kan biraa jechasadaffaaxiyyaafannoo kan barbaadan gochamooti jiru. “Nyaadhuu”(BDB 37, KN 46). Amasiyaas Amos mana qulqullummaa irra, magaalichaa fi biyyichaa akka Bau in barbaada!

■ **“Yaa abba mul’ataa”** Amasiyaas Amosiin abba mul’ata kan inni jedhe waamu tarii Amos mul’ata isa uummatatti labsa waan tureef ta’uu danda’a. “Jechichi raajii” wajjin hiika walfakkaata kan qabu ture.

## MATADUREE ADDAA: Raajicha irratti kan dubbataman jechoota Ibiroota adda addaa

Jechoota Macaafa Qulqulluu

1. *ro’eh* = “abba mul’ata” (BDB 906), Samu’eel isa dura 9:9 luqisii kun “waamuu” kan jedhuu jecha isa

2. tokkooffa irraa hiika dhufeedha. Kun namni karaa Waaqayyoo fi akeeka isaa sirritti kan hubatee waan tureef fedha Waaqayyoo gara fuula duraatti wantoota irrati mirkaneesuudhaaf gorsa hin gaafata ture.
3. *hozeh* = “abba mul’ata” (BDB 302) 2 Samu’eel 24:11, Amos 7:12). Kun irra caalatti Raahi wajjin hiika wal fakkaata qaba. Kunni gaalee Ibiroota hin baratamiin “mul’ataan ilaalu” kan jedhuu irraa kan dhufeedha. Keeyati PARTICIPLE bifi isaa baay’inaan raajoota argisiisuudhaaf tajaajila.
4. *nabi’* = “raajii” (BDB 611) gochama Kalidoota Naabu = “waamuu” fi kan Arabaa Naaba = “beeksisuu” wajjin kan adeemudha. Kun raajii kan bakka bu’uu baay’ee kan baratamee jecha Kakuu Moofaat. Yeroo dhibba sadii ol tuqameera. Dhufaati isaa sirriin kan beekamee miti, haa ta’uu malee yeroo amma “waamuu” jehii jedhuu filatamaa waan ta’uu fakkaata. Kanaafis hubanaan caalu kan argamuu yaahiwween kan Musee Farihooni hangaa Haroonitti firummaa jiruu kan inni ibsee hubachuudhaan (Bau 4:10-16, 7:1, Kes 5:5) raajichi saba Waaqayyooti fi wanta Waaqayyoo kan dubbatuudha (Amos 3:8, Er 1:17, Hiz 3:4).
5. Jechootni sadan guutumaatti Sen isa jalqaba 29:29 bu’aa raajii keessatti Samu’eel/Raahi, Naataan/Naabi fi Gaad- *Hozeh*. jechuudhaan ibsameera
6. Gaalee *’ish ha - ’elohim*, “nama Waaqayyoo” jedhu dabalataniis Waaqayyoodhaaf dubbata kan ta’ee ibsuudhaaf iddoo bal’aa qaba. Jechi kun bifa murtaa’een ala 76 ol Kakuu Moofaa keessatti “raajii” miira bakka bu’uun ibsameera.
7. Jechi Kakuu Haaraa “raajii” hundeen isa kan inni hundeen isaa Giriki dha. Kan inii dhufees (1) *pro*, hiikii isa “duraan durse” yookaan “fi” jechudha (2) *phemi*, hiiki isaa “dubbachuu” kan ta’ee irraati.

■ **“Gara biyya Yihudaati baqadhu”** Amasiyaas Amosiin Israa’el irratti loogii ta’uu isaa yookaan qaama ala gidduu galuu dha jedhe komachuu danda’a.

■ **“Achitti buddena nyaadhuu achitis raajii dubbadhu”** ifatti akka mul’atutti raajooti murta’an mootummaadhaani kan biraan immoo saba itti lalaban irraa kennaa walabaan deggaramu. Amasiyaas Amos horiidhaaf lalaba jedhe komata jira. Amos immoo lakk. 14 irratti kanaan duras ta’ee burqaa galii akka qabu turee dubbachuudhaan deebi waan kennu fakkaata.

**7:13 “Iddoo qulqulla’a mootii fi mana mootummaati waan ta’eef”** Amasiyaas kun mana qulqullummaa Waaqayyoo osoo hin ta’in kan mootii ta’uu isaa yeroo ibsuu dhugaa isaa dhufaati isaatiin ibsa akka ture ifaadha. Sirrimati as irratti kan jiruu kan argisiisuu Yerobi’aam I bakka Waaqeffannaa hundeeffaman tokko kan ta’eef kan kaaba gosoota kudhan bakka amanti abboota taayita ta’aa kan dhufee iddoodha. Yeroon kunnis gara boodaati Aki’aabii fi Elzabeeliin (Mootota isa dura 18-21) sababi isaa gara Kana’aan waaqeffannaa waaqa tolfamaa barsiisoota bakka badeedha.

### **Amos 7:14-17**

<sup>14</sup> Amos immoo deebise Amasiyaadhaan

“Ani horii nan horsiisa, harbuus dhaabee nan guddisa malee,  
hojiin koo raajii dubbachuu miti, sanyiin koos raajii dubbanne\*.

<sup>15</sup> Waaqayyoo garuu horii ani tiksu biraa na fudhatee,

‘Dhaqii saba koo Israa’el irratti raajii hin dubbatin,  
mana Yisahaq irrattis hin lallabin!’

anaan jetteetta; egaa amma dubbii Waaqayyoo dhaggeeffadhu\*!

<sup>17</sup> Waaqayyoo, ‘Haati mana kee mandara keessatti ejjituu in taati,

ilmaan kee fi intaloonni kee billaadhaan in kufu,

Lafti kee funyoo safaraatiin in hirmama,

atis ofii keetii biyya xuraa’aa keessaatti in duuta;

namoonni Israa’elis biyya isaanitii inuma baafamu,

inuma booji’amus’iin jedha” jedhe\*.

**7:14 “Raajii yookiis mucaa raajii miti”** Amos waamichi Waaqayyoo kan ogummaa (lakk.15) waamicha akka hin taane cimsee dubbachaa ture. Hima kana keessaatti gochama dhi’eessu qaba. Kan amma yeroon qabiyyee kanaaf ta’a, lakk. 15 garuu hin ta’u. kun amma raajii akkan ta’ee haala argisiisuun “raajii hin ture” jedhamee hiikamuu in danda’a ture. Kun hima Amos “raajii” “ijoollee raajii irraa” wajjin kan jiruu alta’a wal bukkee qabuu kan argisiisu

fakkaata. Akkas yoo ta'ee sadarkaa nama dhuunfaati Waaqayyotti dubbachuuf nama dhuunfa waamamee fi waldaa raajoota miseensa akka ta'u Waaqayyoodhaan nama dhuunfa waamame giddutti garagarumaa jiruu kan ibsu ta'a (jechuun, Samu'eel isa dura 10:5, 6, 10, 19:20, Mootota isa dura 20:35, 2 Mootota 2:3-7, 4:38, 6:1). Duraan dursee haala ibsameen "mucaa" miseensa walda tokkoo malee miseensa maati kan argisiisu miti.

■ **"Ani tiksee sawwaatii fi ija arbuu kanaan funaanu malee"** seensa isaa keessatti kan jiran yaadannoo hundumaa ilaala. Akka qabiyyee kanaati kun qqabeenya Amos yookaan hojii isaa kan argisiisu ta'ee fayyadu danda'a. Nyaachuudhaaf raajii dubbachuu hin barbaachisuu ture!

**7:15 "Hoola duuka bu'uu irraa na fudhate"** gochami kun (BDB 542, KB 534 jecha hin xumuramiin) kan Waaqayyo filannoo taayitaati fi gocha kan argisiisu barumsa haafura haala barreeffama qulqulla'aa qaba (fakkeenyaaf, Bau 6:7, Kes 4:20, 34, 2 Saml 7:8, 1Mot 11:37, Er 43:10). Waaqayyo Amosiin isaatti akka dubbatuuf waamera kun "tiksee" jecha jedhuu irratti kan ibsamuu yeroo ta'uu haala jecha dhokataan (1) Waaqayyoo mataa isaa; (2) Geggesitoota Israa'elii fi; (3) Haala Waaqa isaaniitiin sabichaati argisiisuuf kan tajaajiluu dha. Israa'eli fi Yihudaa walumma galatti hoola Waaqayyoti.

■ **"Saba kootiif raajii Isiraa'eliif dubbadhu naan jedhe"** qabiyyee kana keessatti xiyyafaannoo kan barbaadan gochamooti baay'eenjiru.

1. "Deemi" BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
2. "Raajii dubbadhuu" BDB 612, KB 659, *Niphal* IMPERATIVE
3. Dhaga'ii" lakk. 16, BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE

■ **"Saba koo Israa'eliiif"** kun Yaaqoobif maqaa haara (7:8, 15, 8:2) kan fayyaduu gaalee kakuutti (Uumamaa 32:28).

**7:16** Kunni Yaahiwwee irraa faalla kan turan jechoota Amaasiyaas Amos in tarreessa ture.

■ **"Mana Yisi'aaq irratti"** kun Kakuu Moofaa keessatti Goochimni kun qopha isaa kan ibsuudha. Kun tarii "mana Yaaqoob irraa" (3:13 yookaan) "mana Israa'e" (5:1, 3, 4, 25, 6:1) wajjin wal cina ta'uu danda'a. kun waa'ee Amos kaabatti lalabuu Amaasiyasiin kan dhi'aate ibsa gabaaba ture.

**7:17** Amos haadha manaa lubaa saba duraatti akka isheen gudeedamtu (akkasumas dubartii galamootuu beekamtuu akka taatu) ijoollee isaa akka ajjessan qabeenya isa kan biroon akka hirmaatanii fi lubichii mataan isaa jireenyaaf gara Asor akka deemu dubbata. Isuma kana geggesitoota Israa'el hundumaa irratti maaltuu ga'uuf akka jiru fakkeenya ta'a. Miira ifaadhaan yeroo ilaalamu akkas Amaasiyaas irratti kan ga'an abaarsoonni inni yookaan dhalooti isaa raajii akka hin taanee dabalee kan ibsuudha.

1. Haati manaa lubichaaf gargaartuu ga'eela hin taatuf (Kes 22:23-24)
2. Ijoolleen tokkuyyuu kan hafaniif hin jiran
3. Bu'aa lubummaa isaatiif argachuun ta'uuf argachuu utuu hin danda'in lafa biyya alaa irratti in du'a.

(David A. Hubbard, Joel and Amos (Tyndale Old Testament Commentary, fuula 217 irratti ilaali).

## GAAFFIIWWAN MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Waaqayyo yaada isaa in jijjiraa? Akkamitii?
2. Qalbii jijjiirachuun dhiifama wajjiin firoomi inni qabu akkamiti?
3. Waaqayyoof dhugaati eenyu akka dubbatuu beekuu in danda'uu? (raajii, lubaa yookiis beekaa)
4. Murtiin Waaqayyoo kan barabaraati moo yokiis yeroodhaaf?

# AMOS 8

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
	Firdii Waaqayyoo shanani fi raaj haarominaa (7:1-9:15)	Mul'ata Hawaannisaa	Mullattoota (7:1-9:10)
Mullata guboo ija mukaa 8:1-3	Mullata afuraffaa 8:1-3	Mullata baattoo ijaan guute 8:1-20 8:20-3	Mullata Afuraffaa: Baattuu firiin guute 8:1-3
Mullata ibiddaa 8:4-10	Himannaa Israa'eel 8:4-6 8:7-8	Badiinsa Israa'eel 8:4-6 8:7-10	Warra saamanii fi gowwomsan irratti 8:4-7
Mul'ata ibiddaa 8:11-14	8:9-10 8:11-12 8:13-14	8:11-14	8:8 Raajii adabbii dukkanaa fi boo'icha 8:9-10 Beeluu fi gogiinsa sagalee Waaqayyoo 8:11-12 Raajii firdii dhiyoo yookiis hoo'aa 8:13-14

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

## QAYYABBANNA JEECHAA FI GAALEE

### Amos 8:1-3

<sup>1</sup>Waaqayyoo waan tokkoo immoo mul'ataan anatti argisiiseera; kunoo, guuboo ija mukaa bilchaataa baatu tokko nan arge. <sup>2</sup>Waaqayyo yommuus, Yaa Amos, maal argita?" naan jedhe; kana irrattan, "Guuboo ija mukaa bilchaataa baatu tokko nana arga" jedhee deebiseef; Waaqayyo immoo, "Sabni koo Israa'el dhumuu ga'eera, ani deebi'ee irra isaaniif hin darbu" <sup>3</sup>Guyyaa sanatti warri mana mootummaa keessa weeddisan in bo'u, reeffii warra du'anii in baay'ata; calluma jdedhaniis iddoo hundumaatti in gatu" naan jedhe; Waaqayyo gooftaan akkas jedhee dubbateera\*.

**8:1** "Waaqayyo gooftaan akkas natty argisisee egaa" Goochimni kun dhi'aate kan turee boqonnaa 7 keessatti kan argamuu isa jalqabaa mul'ata sadan beeksiisuudhaaf ture. Lamata ibsuudhaaf wal duukaa deemuu mul'aticha argisiisa (7:1, 4, 7, 8:1).

■ **"Ija qarmii guuboo guute"** lakk.2 keessatti "ija" jechi jedhuu fi "raawwaata" (Dani'eel 8:17, 19, 11:40, 12:4, 6) jechi jedhuu giddutti jecha Ibiroota dubbatuutu jira. Jechooti lamaan kun karaa wal fakkatuun in ibsamu turan (Nidoot, maxaansa 3, fuula 920). Ija qarmii (BDB 884) kan waqtillee ija gara dhumaati. Iji kun yeroo o'aati hangaa ol kan bilchaatu yeroo ta'uu saba Israa'eliifis jireenya hafuuraatiif baduu kan qabuu jecha dhokataa ture. Isaanis hangaa ol firdiif bilchaatani turan!

**8:2** "Dhummi saba koo Israa'el irratti dhufeera" gochamich (BDB 97, KB 112 jecha xumurame). Israa'el fi dhalooti Abirahaam giddutti kakuun turee gosoota warra Kaaba wajjiin walitti qabamee digaamuu isaa kan bakka bu'uudha. Kan Yaahiwwee dhukkuba miira gadi fagoo "saba koo Israa'el" (Hose'aa 11:1-4, 8) Goochimni jedhu u keessatti ilaalun in ndanda'ama. Haa ta'uu malee jechii kun walumaa galatti kan diigamuu in ta'uu abdi qaba. (9:7-15, Hose'aa 11:9-11). Kakuuchi akka jirutti akka itti fufuu iyyamuun gara jabeenya ta'a ture. Murtiin Yaahiwwee ammamillee kan jijjiirsiisu yoo ta'eellee humni kana godhe dhugaa ta'ee jaalala isaa harreesuuf argisiisuf ture.

■ **"Kana booddee immoo irra hin darbuuf"** Goochimni kun baay'ee kan mul'atuudha kun kallatiidhaan yoo ilaalamuu "kana booddee" (BDB 414, KB 418, Niphil kan hin xumuramne) "ammas irra hin darbuuf" (BDB 716, KB 778 gocha jechaa dhuma hin qabne jechudha). Kakichi caberaa (7:8) sabi Waaqayyo isaa dhiisuudhaan deebi'ee waaqeffannaa barsiisoota Kana'aan wajjiin wali galeera Uumamaa 15:16. Amorootni gara biyyaatti abditti sababi isaan in debineef waaqa kan hinnqabne kan ta'e jireenya isaanitiin kan qixaate ture. Amma immoo kan Waaqayyo sabi mata isaa sababa jireenya wal fakkaata akkasuma itti ta'e. Obsii Waaqayyo gara dhumuutti akka dhufuu Er 15:5-6 fi Hiz 7:2-9 keessatis tuqameera.

**8:3** "Fara iddoo qulqulla'aa" kun "Fara" (BDB 1010) jechi jedhu lakk.dubartii baay'ee yemmuu ta'u dhadacha irraatti faarfacha kan turan dubartoota kan baay'ee irraa deemu boosiiftuu akka ta'an kan ilaaltu ta'u danda'a. Haa ta'u malee baay'ee kan baay'atan reeffii waan tureef sagallee inni qophaan cal jedhe ture (waa'een seera boo'ichaa marii ibsamee kan Roonaldi Diviiks Israa'el durii maxaansa 1 fuula 56-61 irratti ilaala). Hiika lama ta'uu kan danda'an fillannoon jira. Isaanis (1) "Mana mootummaa" (TEV, NJB, 6:5) yookaan (2) "Bakka waaqeffannaa" yookaan "mana qulqullummaa" (NKJV, NRSV, NET, NIV, cf. 5:23). sababa (5:23) lakk .2 fillannoo fillatammaa fakkaata.

■ **"Boo'ichaa ta'a"** gochamichi (BDB 410, KB 413, *Hiphil* PERFECT) kuta Er keesatti saba naannoo wajjin murtiin wal qabatee yeroo baay'ee dhi'aateera (Er 47:2, 48:20, 31, 39, 49:3, 31:8). Inni fayyadama kan Isa kan hordofee fakkaata (Isa 13:6, 14:31, 15:2, 3, 16:7 [lamata] 23:1, 6:14). "Boo'icha" "iyya" fi "iyya naasuu" sababa du'aa fi diigamsa iyya dhufee hiika gaarii ta'uu danda'u. Kan jaarra 18 raajoota xixiqaa isa kana kan Yaahiwwee murtii dhufuu wajjiin wal qabsiisuun yeroo baay'ee fayyadamaniruu

1. Hose'aa 7:14
2. Iyyu'eel 1:5, 11:13
3. Amos 8:3
4. Mikiyaas 1:8



■ **“Guyyaa sanatti”** kun jaarra 18 keessa raajonni yeroo baay’ee irra deddeebi’ani kan fayyadaman kan barratame kan murti dhokataa ture. Yaahiwwen Uummata isaa eebbaaf (Amos 9:11, 13) yookaan abaarsaaf (Amos 1:14, 2:16, 3:14, 4:2, 5:8, 18, 20, 6:3, 8:3, 9, 10,11, 13,) yeroo yaadatamu in dhufa 2:16 irratti kan jiruu qabsiisa guutuu ilaala.

■ **“Bakkicha hundumaa irratti cal jechuun in dhaala”** kun waaranichaa fi sababa naannoo irratti kan godhamee kan hin barrataminn seera haawalcha ilaalata (jechuun, kamiin iyyuu boosiiftuu qaroomoon yookaan walumma galatti boo’icaha kan jedhuu in jiruu. Goochimni kun 6:10 wajjin adeema (mallattoo raajeefannaa wal fakkaatuun tuqameera BDB 245 “cal jechuu”).

### **Amos 8:4-8**

<sup>4</sup> **Isin yaa namoota warra dhaban dhidhiittanii,**

**warra gad qabamoos balleessitanii, mee kana dhaga’aa\*!**

<sup>5</sup> **Isinoo, “Quunnaa ittiin safarru xinneessinee gatii immoo**

**ol kaasuudhaan miijana sobaatiinis gowwoomsuudhaan midhaan akka gurgurrutti,**

**ayyaanni baatii yoom darba? Gombisaa midhaanii banuudhaafis Sanbanni yoom darba\*?**

<sup>6</sup> **silaa ungulaali midhaani in gurgurra; warra dadhaboo meetiidhaan,**

**warra dhabanis gati kophee baaqqee cimdii tokko irra jiruun in binna” in jettu\***

<sup>7</sup> **Waaqayyo ulfina isaa isa Yaaqoob jajaatuun kakateera,**

**“Hojii isaanii isa hamaa hundumaa ani matumaa in irranfadhu.**

<sup>8</sup> **Sababi kanaaf lafti in raafamuu ree?**

**Warri isa keessa jiraantan hundinuus hin gaddanii ree?**

**Guutummaan biyyichaa akkuma laga Abbayyaa ol in ka’a,**

**akka laga isa Gibxi keessa daddarbatamaa yaa’uus gad in gala” jedhe\*.**

**8:4 “Mee kana dhaga’aa”** kun jecha Ibiroota *Shema* (BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE). Hiiki isaa “dhaga’ee kan godhuu” jechuudha. Kun Seera Kes 6:4-6 keessatti kan jiruu kadhata barbaachisaa keessatti kan argamuu jecha furtuudha (Amos 3:1, 13, 4:1, 5:1).

■ lakk. 4 soreessaa f sababa namootaa taayitaa siyaasa qabanif hiyeessi (“rakkataan” “rakkataan biyyichaa” fi “hiyeessa fi rakkaattaa” wajjin wal qabatadha lakk.6 ). Gadi qabamuun isaa (“kan liqimsitaan” yookaan “kan balleessitan” BDB 983, KB 1375, *Qal* PARTICIPLE) argisiisa.

**8:5** Soreesowwaan, jabootni fi dhiibaa kan godhan namooti seeran ala, sirri kan hin taane fi gocha dogogora hiyeessa irratti fe’uudhaaf yeroo barbaadan wal ga’ii amantaa jechuun “jalqaba ji’aati” Lak 228:11 Mootota isa 2 4:23 fi “Ayyaan”(Bau 31:13:17) amma darbuttillee in eegan turan (1) safaartuu xiqeessuu; (2) shekeliin baay’isuun; (3) madaali sobaanitiin utuu gowomsaani; (4) habaqqii qamadii (akka waan hin taanetti kan gatamuu akka midhaan caccabaa BDB 655 yookaan gilgilchaa keessa kan darban guddina isaani kan hin raawwatne midhaan) qamadii wajjiin wal in makan9i utuu gurgurani. Isaan kun hundumtuu saba rakkataa midhaan yeroo bitan isaaniin gowoomsuudhaaf kan ilaalatu ture (Lew 19:35-36, Kes 25:13-16, Fakkeenya 20:10).

“Gurguruu” (BDB 991, KB 1202) fi “konye” (BDB 834, KB 986) gochami jedhaman lamaan isa wal ciana. Daldalloonni kun saamuudhaaf fedhii guddaa irra kan ka’ee gochii isaani hundumtuu fedha mata isaani qofaan kan hoofamaniidha.

### **Mata duree adda: Akkataa itti warri (biyyooleen) baha biiftuu durii ulfinaa fi qoobee wa’ii safaran (METROLOGY)**

Bara durii, ulfaatinaa fi safariin fayiida daldalaa irra kan isaan oolan dinaagdee qonnaa irratti baayyee murteessaa turan. Macaafni Qulqulluu warra Yihudotaa falmii seera irratti qajeltota akka ta’aniif isaan hubachisa (lewo 19:35-36, Kes 25:13-16, Fakk 11:1,16:11,20:10). Tajaajila warra Filisxeemi irra kan ture rakkoo amanamuu qofa hin ture, garuu jechoota fi seera sadarkaan hin qophaaniif wajjiin malee. Gareen ulfina mi’a yookaan dhimma tokkoo bakka lamatti kan qoodama fakkaata ture, innis “salpha” fi “ulfaata” dha *The Interpreter’s Dictionary of the Bible*, jildii 4 fuula 831 ilaali). Akkasumas seerri mlakkoofsa mana 10 isaa, seeksaa deesimaal warra Gibxii fi kan warra Mesopotaamiyaa walitti mameera.

Baayyeen “safarriwwaan” fi “qabeen” waa tokkoo kan isaan hojii irraa oola turan, buusaa qaama namoota,

safara ba'aa horii manaa fi keessaas tokk illee sadarkaa isaa kan eege miti. Kanaaf gabatee isaanii tilmamaa fi yeroo xiqqootiif ture. Ulfiinaa fi safara wa'ii mullisuuf karaan inni salphaa gabatee firoomsudha.

I. Jechoota qabiyyee safaruuf yeroo hundumaa hojii irra oolan

A. Safartuu jajaboo

1. *Homer* (BDB 330, “ba’aa harre” ta’uu danda’a BDB 331) Fakkeenyaaf Leewoota 27:16, Raajii Hosee 3:2
2. *Letekh* (yookaan, Leetich BDB 547, Raajii Hosee 3:2)
3. *Ephah* (BDB 35) Seera b’uu 16:36, Lew 19:36, Izqeel 45:10-11,13:24
4. *Se’ah* (BDB 84) Seera uumamaa 18:6, Samu’eel isa duraa 25:18, Motoota isa duraa 18:32, Motoota isa 2ffaa 7:1, 16,18)
5. *Omer* (BDB 771.11, “Ba’aa tokko” yookaan tuulla midhaani/daawuula ta’u danda’a. BDB 771) Bau16:16,22,36, Seera Lewwoota 23:10-15
6. *Issaron* (BDB 789 “kutaa 10ffaa hiipaaf”) Bau29:4, Seera Lew 14:21 Seera lakk. 15:14, 28,5,13.
7. *Qav* (yookiin Kab, BDB 866), Moto. 6:25

B. Safartuu dhangalaa’a

1. *Kor* (BDB 499) Iziraa 45:14 (Safartuu jajaboos ta’uu danda’a Seena bara isaa 2ffaa 2:10,27:5)
2. *Bath* (BDB 144 11) Moototaa isa duraa 7:26,38,Seena bara 2:10, 4:5 Isayaas 5:, Iziraa 45:10-11,14
3. *Hin* (BDB) Seena bara 29:40, Lew 19:36, Iziraa 45:24
4. *Log* (BDB 528) Lew 14:10,12,24

C. Gabatee (Roland deVaux, *Ancient Israel*, jildii. 1, fuula. 201 fi *Encyclopedia Judaica*, a fuula 379 irraa kan fudhatame).

<i>homer</i> (Gogaa) = Qoor (dhangala’a yookaan jajaboo)	1					
<i>ephah</i> (jajaboo) + Baaz (dhangalaa’aa)	10	1				
<i>se’ah</i> (jajaboo)	30	3	1			
<i>hin</i> (dhangalaa’aa)	60	6	2	1		
<i>omer/issaron</i> (jajaboo)	100	10	-	-	1	
<i>qav/kab</i> (jajaboo)	180	18	6	3	-	1
<i>log</i> (dhangala’aa)	720	72	24	12	-	4 1

II. Jechoota ulfaatinaa yeroo hunda hojii irra oolan

A. Safartuu ulfaatina beekamoo ta’an sadan: Taalentii, Sheeklii, fi Geerahi jedhamu

1. Kakuu Moofaatti miizanni guddaa taalenti dha. Bau38:25-26 irraa, taaleentiin tokko sheelii 3000 wajjiin wal qixa ta’uu isaa hubanna (BDB 503 “miizana walitti siqaa”)
2. Jechi Sheeklii jedhu (BDB 1053, “Ulfaatina”) yeroo mara hojii irra akka oolu n tilmaamama, garuu barrefaman hin teeny. Gatiiwaan Sheeklii heedduun Kakuu Moofaa irratti caqasamaniru
  - a. “Miizana (sadrkaa) daldalaa (NASB kan Uma 23:16)
  - b. Sheeklii mana qulqullumaa seera NASB kan Bau 30:13
  - c. “Miizana mootoo” (NASB 2Sam 14:26) innis immo “Miizana mootii” waraqaa Elefantayinii dhaan.
3. Geerah (BDB 1476 II) sheeklii tokko tokkoon gatiin isaa 20 dha (Bau30:13, Seera Lew 27:25, Seera lakk. 3:47,18:16, Isqeel 45:12) toorri kanaa Mosopotaamiyaatii hanga Gibxitti garaa garummaa qabu. Kan warri Israa’eel ordofaa turan madaallii isa kanaa’an itti yeroo mara ittiin fayyadamaa turame (Ugarit) dha.
4. Miinaa (BDB 584), gatiin isaa sheeklii 50 yookaan 60 dha. Jechi kun kan jiru macaafota Kakuu Moofaa warra gara teellaa jiran irratti. Isaanis Isqeel 45:12, Iziraa 2:69, Nehimiyaa 7:70-71) Isqeel kan inni fayyadame toora 60 yemmuu ta’u Kana’aan immoo kan inni fayyadameu toora 50ffaa dha.
5. Beekaa (BDB 132 walakkaa sheeklii ti Seera Uumamaa 24:22) kunis Kakuu Moofaa irratti si’a lama hojii irra ooleera. (Seera Uumamaa 24:22, Bau38:26) kanaafis gatiin isaa walakkaa sheeklii.

Maqaan isaas “hiruu” jechuu dha.

B. Gabatee

1. Peentaatuuk irratti hundaa’udhaan.

Taaleent	1				
Miinaa	60	1			
Sheeklii	300	50	1		
Beekaa	600	100	2	1	
Geerah	60,000	1000	20	10	1

2. Izqeel irratti hundaa’uu dhaan

Taaleent	1				
Miinaa	60	1			
Sheeklii	3600	60	1		
Beekaa	7200	120	2	1	
Geerah	7200	1200	20	10	1

■ **“Jalqaba ji’a”** kun aadaa durittin jalqaba ji’aa irratti kan godhamuu guyyaa ayyana amanta agarsiisa (Seera laak. 28:11 Mootota isa 2 4:23). Yihudootni ji’an lakkoofuu ji’aatiin geggeefama akka turan hubadhu.

■ **“Safartuuf xiqeessa”** gochii kun (BDB 24, 9:41) irra guddeessa hiyeessa irratti kan jiran madaali isaa kan hin eegnee fi dhaabbata daldalaa sobaa ta’ee kan bakka bu’aaniidha (MKiyaas 6:10-11). Waaqayyo soba kana in jibba (Fakkeenya 11:1). Waaqayyo wajjin yookiis sabicha wajjin “yoo daldalan sirritti daldaluudha” kan jedhamuu ta’ee hin beeku. Saamichaaf of jaallachuu argadha laata fi kuufatiin kan guute laphee saaxila.

**8:6** Lakk. kun humna miidhaan bitaachuu kan qabnee uummata rakkatoota mata isaanii yookaan maati isaani gatii xiqqoodhaan garbumaatti gurgurudhaan (jechuun, “caama tokkoon” 2:6) haala fakkeenyaan ibsuudha.

Isaan soressooni daldallonni kun baay’ee gad dhidhimuu isaanii irraa kan ka’ee abaqii irraa, waan gatamuu irraa, dhagaa xixiiqoo kan kana fakkaatani wajjiin midhaan wal make in gurguruu turan. Gurgurtaa goowomsaan guutee kana bu’aa argataaniin garboota bitaaniru, kanaaf rakkataa rakkina isaatiif gatii saamicha kaffalleera.

### Amos 8:7-10

<sup>7</sup>Waaqayyo ulfina isaa isa Yaaqoob jajatuun kakateera,

“Hojii isaanii isa hamaa hundumaa ani matumaa hin irraanfadh.

<sup>8</sup>Sababii kanaaf lafti hin raafamua ree?

Warri isa keessa jiraatan hundinuus hin gaddani ree?

Guutummaan biyyichaa akkuma laga isa

Gibxi keessa daddarbatamaa yaa’uus gad in gala” jedhe\*.

<sup>9</sup>Waaqayyo gooftaan, “Guyyaa sanatti biiftuunwaareeti akka lixxu, lafni akka dukkaa’u nan godha\*.

<sup>10</sup>Cidha keessan gaddatti, uffta gaddaa isin nnan hidhachiisa,

mataa keessanis akka haaddattan nan godha;

boo’icha kana akka boo’icha isa ilma tokkichaaf boo’anii nan godha;

wanti guyyaa sanatti ta’us hamma dhumaatti jibbisiisaa in ta’a” jedhee dubbateera\*.

**8:7 “Waaqayyo ulfinna Yaaqoobitti kakateera”** Amos keessatti Yaahiiween sagalleen isaa dhugaa ta’uun isaa haala argisiisuun yeroo baay’ee kakateera

“Waaqayyo gooftaan qulqullummaa isatti kakateera” 4:2

1. “Waaqayyo gooftaan mataa isaati kakateera’ 6:8

2. “Waaqayyo ulfinna Yaaqoobiin kakateera” 8:7

Goochimni kun baay’ee kan deemsisan fillannoo qabu (1) dhaloota Yaaqoob keessa kan jiruu ulfina Waaqayyo (1Sam 15:29) TEV kan inni hiike “Waaqayyo gooftaan waaqni Israa’el kakateera jedhe hiikeera (2) Iddoo biraatti Waaqayyo maqaa namaatiin yeroo kakatuu waan hin argamneef, tarii kun “Waaqayyo gooftaan Israa’el of tulluummaa ishee irratti kakateera. (UBS, *Handbook*, fuula 165) hiika jedhu qabaachuu danda’a yookaan (3)

sabni israa'el kan hin jijjiramne cubbamoota ta'aani waan turaaniif Waaqayyoo kanaan turee haala isaani kakachuu isaa ta'a (6:8).

■ **“Hojii isaani hundumaa barabaraan takkaa hin irranfadhu”** kun baay'ee cimaadhaaf hima mul'atudha.

1. a HYPOTHETICAL PARTICLE, (fa)
2. a Gochama jecha hin xumuramiin, “irraanfachuu” (BDB 1013, KB 1489)
3. Maqaa kan ta'ee “kan bara baraa” “itti fufeenyaan” (BDB 66:4)

Isaan daldalloonni saamtuun kun kakuudhaan obolloonni isaanitiif obbollettiin isaani akkasumas immoo kakuchaan Waaqayyoo irratti kan hidhan yakka deebi kan kennan ta'a.

**8:8** Gaaffiin kun “eeyyee” jechuu deebii eega. Ifati akka mul'atutti luqisi kun yaada itti fufani jiraan kan argisiisuudha (1) 1:1 irratti sochiin lafaa ibsamee (2) Gibxii keessatti kan argamuu lagii Abbayyaa kan inni geesisuu kan waggaa lolaa bishaani sababa badisii dhufeef (9:5, Er 46:7-8). Gochama (BDB 176, KB 204, *Niphal* PERFECT). Sababa Yoonaas ija Yaahiwwee duratti kan inni jibamee (Yoonaas 2:4) haala ibsuuf in fayyada, tarii biyyatti abdiirraa ari'atama godhamuu jecha dhokkata ibsudha (9:1-4, 5) ta'u kan qabudha. Jechi wal fakkaatan kun Yaahiwween Kana'aaniin haala ambiseef ibsuudhaaf taajajileera haa ta'uu malee amma Israa'el cubbuu isheetii fi waaqa tolfamaa sababa waaqessuu isheetiif adda baateeti.

**8:9** Lakk. kun kara baay'eedhaan beekama tureera (1) kan akk Isa 13:10, Iyyu'eel 2:2, 3:15, Mikiyaas 3:6 kan jiranqooqa bara dhumaa jiranidha (2) Kes 27-29 abaarsoota hundee kan kaa'e kan tolche rakkina Gibxii yookaan (3) Agugamuu aduu kan argisiisuu ibsa kallatti (10:18-20). Adeemsi uumamaa kan wal make deebi'ee fakkaata. Yaahiwween sanyii namaa wajjiin tokkummaa inni godhaa ture ammas deebi'ee badeera (Rom e 8:19-20). Uumamni wal make jira (Rom 8:19-22).

Bishaani sababa badisaa (jechuun bishaan badisaa) yookaan mallattoo eebba Waaqayyoo (5:24) ta'uu danda'uu isaa dubbii ciigoo ti. Sanyii nama lama keessa tokko hin qaqaba “galaana” kan ilaalate ibsa nama hawatuu maxaansa Niidoot 2 fuula 461-466 irratti ilaala.

■ **“Aduun guyyaan akka dhiituu nan godha”** gochami kun (BDB 364, KB 361, *Hiphil* PERFECT). Gibxii keessatti kan turee dukkana cimaa agarsiisuu danda'a (Bau 10:21-22, Fara 105:28). Asi irrattim kun kan argisiisu Waaqayyoo lamaan isaatiin kallattiidhaan (5:8 fi kallattiin kan hin taane lakk.11-12 ti). Bifa dukkanaa fidaa akka jiru kan ta'eedha. Ifni Israa'el dukkana'eera (Er 13:16)

**8:10** kun Waaqayyoo shaakala waaqeffannaa Israa'ael irratti sababa murtii fidee kan godhamuu seera boo'icha itti fufeenya (jechuun, seera haawalchaa Fara, uffata gaddaa, rifeensa buqisuu). Waaqeffanaan isaani akka tokkichi mucaan dhiiraa isaani nama du'eetti gara boo'icha hadha'aati jijjirama (Er 6:26, Zak 12:10).

■ **“Rifeensa buqisuu”** Israa'el waaqeffannaa barsiisoota Kana'aani wajjin sababa walitti dhufeenya qabdu turteen seeri waaqeffannaa kun barreeffama qulqulla'aa kan qaban hundumaa “aaddu” (Mo'aab, Isa 15:2, Er 48:37 Filisxeem Er 47:5 fi Fiinqee Hiz 27:31 argisiisuu danda'a (Leewoota 21:5). Haa ta'uu malee dabalataanis mallattoon boo'icha kanaa akka ta'uu haala godhuun rifeensa mataa buqisuu ta'uu danda'a (Mikiyaas 1:16, Hiz 7:18).

■ **“Guyyaa hadha'aa”** jechi kun (BDB 600) du'a irratti gada qabnuu argisiisuuf tajaajila (5:16-17). Isaan utuu eegani kan turan faalla isaati (5:18-20) kun “guyyaa sanatti” “guyyaa Waaqayyoo” gaaleewwaan jedhan maqaa kan uffatan ibsa. 2:16 irratti yadaannoo jiruu ilaala.

## **Amos 8:11-14**

<sup>11</sup> Waaqayyoo gooftaan, “Kunoo, barri ani itti biyya kana irratti beela ergu dhufuuf jira;

beelichis isa namoonni dubbii Waaqayyoo dhaga'uu dhabanii beela buddeenaa fi dheebuu bishaanii miti.

<sup>12</sup> Isaan dubbii Waaqayyoo barbaaddachuudhaaf galaana isa gara kaaniitti, gara bitaatii hamma ba'a-biiftuutti in tirstu; garuu argachuu hin danda'an\*.

<sup>13</sup> Guyyaa sanatti durboonni babbareedonni fi dargaggoonni dheebuudhaan in gaggabu.

<sup>14</sup> Isaan warri Waaqayyoo tlfamaa isa warri Samaariyaa ittin yakkaniin kaktan,

Daaniin, ‘Dhugaa isa ati waaqeessituu ti! Bersheebaadhanis,

‘Dhugaa karaa isa kan keetiiti! Jedhan in kufu, deebi'anis matumma hin ka'an!’ jedhee dubbateera\*.

**8:11** Kun kan Kakuu Moofaa hunde qabeessa eebba Yesuus wajjin (Mat 5:6) isa tokkoof Yesuus Keesa deebi 8:3 kan tuqee Mat 4:4 luqisii ta'uu danda'a. Israa'el kan barbaadu hundumaa akka qabdutti in yaadi ture, haa ta'uu malee hundumtii keenya dhugaati kan nu barbaachisii Waaqayyo wajjin tokkummaa gochuudah!

**8:12** Kun miiraan kan guutamee haa ta'uu malee tokko bu'aa kan hin qabne barbaacha Waaqayyo argisiisa. Amma naasisa kan ta'e jecha dhokkataadha. Waaqayyo ijoollee namaa jaalalaan barbaada ture. Haa ta'uu malee ijoolleen namaa Waaqayyoon argachuu yeroo hin dandeenye hin dhufa. Namooti kan uumaman Waaqayyoo wajjiin tokkummaa akka barbaadaniif ture (Uma 1:26-27) abiddi bara bara Waaqayyo wajjiniin fillannoo ta'uu irra kan nama balleessudha.

■ **“Galaana amma galaanaati”** Filisxeem keessa kan jiran dubbataan kun Meeditiraniyaa dha hanga garba du'aatti bakka jiruu kan ilaalatu ta'uutu irra ture. Kun teessuma isaatiin baay'ee fagoo miti haa ta'uu malee kan biyyichaa daangaa tokko hangaa daangaa isa kaanitti kan jiru ibsa.

**8:13** Dargagootaas ta'ee argamuu Waaqayyo isa jabaa argisiisa. Dargagoon biyyicha dadhabuun murtii Yaahiwwee kan ibsuu jecha dhokkataadha (Isaayas 51:20).

**8:14 “Cubbuu samariyaa”** kun Yerobi'aam I (Dhaloota Kiristoos dura 922) Daanii fi Bet'eliin kan dhaabatan jabbiin warqee (Mootota isa duraa 12:28, Hose'aa 8:5-6,) argisiisa. Isaan irraa eegama kan turee Yerusaaemitti kan argamuu mana qulqullummaa Yaahiwween bakka itti Waaqeffamuu akka godhan ture. Hundumtuu mootota gosoota kudhani bakka waaqeffana kana irraa kan ka'ee raajootan in balaalefatamu ture. Barreefama Meezorotik irraa ka'ee barreefama kanaa fi fillannoo hiika kan bira qaba. “Moortuu Samariyaa' gaalee jedhuu qaba. (2Mot 17:30). Akkas yoo ta'ee kun kan Kana'aan kan dubartii barsiisoota waaqa tolfamaa argisiisu danda'a. kamii iyyuu kan argisiisu sirri kan ta'u kan kabaa gosa kurnani waaqeffanna dogogoraa Israa'el calaqisiisa.

■ **“Inni jiraatan karaan Beersaabe”** kun luqisii hin baratamneedha. Beersabeen kibbaa Yihudaatti magaala argamtudha. Duraan dursee 5:5 keessatti tuqame ture. Kun deemsicha mata isaa yookaan waaqeffannaa wajjin kan walitti dhufuu naannaa'uu yookaan “karaa” jechii jedhuu kan seera yookaan fakkeenya qajeelfama haasa ta'uu danda'a. Waaqeffannaa waaqa tolfama kana keessatti akkamitti yookaan maaltuu akka galee wantii mirkana'ee hin jiru sirridhumatti kun teessumma magaala irratti ilaalcha xiyaafatuu ta'uu danda'a (jechuun, Daani amma Beersaabeeti Abboota firdii 20:1, 1 Samu'eel 3:20) kunnis lakk. 12wajjiin kan adeemudha. Isaan sabii kakuu kun wali gala biyyatti abdi irratti waaqeffannaa waaqa tolfamaa raawataniiru amma garuu haala hin mirkanoofneen walumaa galatti lafaatti irratti Yaahiwwee in barbaadu haa ta'uu malee isa hin argatan

# AMOS 9

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
	Firdii Waaqayyoo shanani fi raaj haarominaa (7:1-9:15)	Mullata Hawaannisaa Firdii Gooftaa	Mullattoota (7:1-9:10) Mullata Shanaffaa fi Iddoon Haarsaa Diigamuu
Baduu Israa'eel 9:1-4	Mullata Shanaffaa 9:1-4	9:1-4	9:1-4
	Galata Sadaffaa 9:5-6	9:5-6	Galata 9:5-6
9:5-6			Cubbamoonni Guutummaa Guutuutti ni badu
	Mirga labsitu gara biraa hin qabdu 9:7-8	9:7-8	9:7-8
9:7-10	9:9-10	9:9-10	
Israa'eel ni Haarmfanti 9:11-12	Raajii Haarmuu idda mootummaa Daawiit 9:11-12	Haaromfamuu Israa'eel Isa fuulduraa 9:11-12	Raajii isa sirrii fi haaromuu agagarisiisu 9:11-15
Mullata Ibddaa 9:13-15	Waa'ee ulfina bara isa dhufuu 9:13-15	9:13-15	

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABBANNA JECHAA FI GAALLEE

#### Amos 9:1-4

**'Ammas Waaqayyo gooftaan iddoo aarsaa gararraa utuu dhaabatuu mul'atan nan arge; inni, "manichi guutummaatti akka raafamitti mataa utubaa isaa rukuti! Mata hunduma isaani irratti caccabsi!**

Warra kana irraa hafanis billaadhaan nan ajjeesa,  
 isaan kessa tokkoollee danda'e jalaa hin baqatu, tokkoo illees jalaa hin ba'u\*.  
<sup>2</sup>Isaan qotanii iddoo lafaa jalaa yoo ga'an iyyuu,  
 harkii koo qabee achii keessaa ol isaan in baasa;  
 bantii waaqatti yoo ol ba'an iyyuu, achi gadi isaan nan buusa\*.  
<sup>3</sup>Gubbee tulluu Qarmelos irra yoo dhokatan iyyuu achi irratti arge isaan nan qaba;  
 ija koo duraa galaana gadi fagoo keessa lafa bira ga'ani yoo miliqan iyyuu,  
 achitti iyyuu bofni galaana keessa akka isaan idduuf abboota.  
<sup>4</sup>Booji'amii diinota isaaniidura yoo oofaman iyyuu, achittis billaa isaanitti ajaja,  
 innis isaan in ajjeesa; gaariidhaaf utuu hin ta'in, ija hamaadhaan isaan nan ilaala" jedhe\*.

**9:1** kun bakka qulqulla'aa waaqeffannaa barbadeessuu ilaalata (jechuun, iddoo aarsaa). Haali barbaadeessu Isa sochii lafaa ture (1:1, 8:7-10, 9:1, 9). Israa'elonni Yaahiwwee wajjin kan isaan qaban walitti hidhati kakuu in amanatu turan, Waaqayyo garuu kan waliin makame waaqeffannaa amantii isaani hin fudhanneef (5:21-24, 8:10).

■ **“mataa utubaa isaa rukuti”** gochamichii (BDB 645, KB 697) jecha *Qal IMPERATIVE* dha. Luqisiin kun xiyaafannoo lamaa kan barbaaduu fi akka xiyyafannoo kennutti kan tajaajilujecha hin xumuramiin gochama qaba (jechuun, “raafama” BDB 950, KB 1271). “Utubaa” jechi jedhu (BDB 499) kan soqamee degerraa irra keessa dhaabbii argisiisa.

■ **“Teessoo dheeraa fi ol ka'aa”** kun “teessoo dheeraa fi ol ka'ichii” (BDB 706) jechi jedhu balbalaa mana qulqullumichaa dura kan dhaabatee degeraa cima agarsiisa (Isa 6:4).

■ **“Mataa isaani hundumaa irratti in caccabse”** kun akkuma Saamsoon Abboota firdii 16:23-30 irratti mana qulqullumma Filisxeemoota akka diige hundumaa humna waaqummaatiin waaqefatoota balleessuudhaaf kan argisiisuudha. As irratti karaan ittiin inni balleesse akkaata yaada Waaqa irraatiin kan karoorfamee sochii lafaa fakkaata.

■ lakk.1 inni dhuma sararii barreefama sadani cimsa kan itti laatu Israa'elonni murtii Waaqayyo raawwatani jal'aa Bau akka hin dandeenyedha. (lakk. 2-3). 5:19 wajjin hiika wal fakkaata qaba. Dubbifamni murtii dubbifama haraara wajjin walitti hidhee qabuu amala barreefama raajiti. Kanaafis boqonnaan kun fakkeenya gaaridha.

1. Lakk. 1-10 murtii
2. Lakk. 11-15 tti fayyina

Lamaan isaani dhugaadha, haa ta'uu malee haraara Waaqayyootii fi amanti namaa/qalbi jijjiranaa gochuu haalota baay'ee/fillannoo qabu hafiin Yihudoota akeeka fayisuu Waaqayyoo raawwachuudhaaf jiraatu.

**9:2-3** Isaan luqisiin kun murtii Waaqayyo jalaa Baudhaaf yaalii godhamu ibsu (fakkenyaaf Iyo 34:22 Er 23:24, Isa 29:15). Kan tuqaman jecha dhokkataa (Fara 139:8, 9-12 jedhes Fakkeenya 15:11) wajjin bifa tokko qaba.

**9:2 “Gara Si'oolitti yoo gadi bu'anis”** *Sheol* (BDB 982 fakkenyaaf Isa 5:14, 14:9, 28:15, 18, 38:10) mana jireenya warra du'ani argisiisa. Kan ibsamee akkuma biyya lafaa irraa akka jiruu ta'eeti (jechuun, yoo gadii bu'aan). Kunnis Isa 2:10, 19-21, Luk 23:30 fi Mul'ata 15-16 irratti akka jiruu olqa keessa dhokkachuuf namoota yaalani wajjiin wal fakkaatadha.

## Mata duree addaa: Kanneen du'an eessa jiruu?

- I. Kakuu Haaraan
  - A. Namoonni hundinuu gara *Sheol* gadinbu'u. (As dhufa sagaleekanaan mirkana kan hin taane BDB, 1066), Innis du'a kan agarsiisu yookaan awwaala, Baayyeen kan ogummaaf og-barruu fi kan Isaayyaas. Kakuu Moofaan, Gaaddisaawaa, Dammaqaa, Hata'u malee gammachuun kan keessa hin jirre hilaawwee ture. (Iyyob 10:21-22; 38:17; Far 107:10, 14).
  - B. *Sheol* amala isaatiin
    1. Murtoo Waaqayyoo waliin wal qabata. (Ibidida), Keessa debii 32:22
    2. Guyyaa firdii dura adabbii jiruu waliin wal qabata, Far 18:4-5

3. *Abaddon* (Badii) waliin wal qabata, hata’u malee Waaqayyon biratti kan beekame, Iyyob 26:6; Far 139:8; Amootsi 9:2
4. “Boolla” keessa (Awwaala) waliin wal qabata, Far 16:10; Isa 14:15 Hisqi’eel 31:15-17 Hamoonni jiraatti gara sii’olitti gadi bu’u, Seera lakkoofsa 16:30; 30, 33; Far 55:15
5. Yeroo hundumaanameessoo kan ta’u bineensa afa-balloodha; Seera lakkoofsa 16:30; Isa 5:14; 14:9, Imbaaqoom 2:5
6. Namoonni achumatti *Repha’im*, jedhani waamu; (Isaayas 14:9-11).

## II. Kakuu Haaraa

A. Kan Warra Ibrootaa *Sheol* Giriikiin *Hades* tti kan hiikamu (Addunya hin mullanne)

B. *Hades* (Sii’ol) kan inni itti ilaalamu

1. Isaan du’a agarsiisa; Matewoos 16:18
2. Du’aan wal qabata; Mullata 1:18; 6:8; 20:13-14
3. Yeroo hedduu kan itti fakkeeffamu bakka adabbii dhaabbataadha. (Gahaannam); Maatewoos 11:23 (Kan Kakuu Haaraa xuqaalee); Luq 23:43
4. Yeroo baayyee kan fakkeeffamu Awwaalaa wliin; Luq 16:23

C. Nihirama (Raabota)

1. Qoonni tolootaa Jannata jedhama (Kun dhugumaan maqaa waaqarraa isa kan biraadha, 2a Qoronxos 12:4; Mullata2:7), Luq 23:43
2. Kan hamootaa kutaan kun *Tartarus*, jedhama; 2 Peexiroos 2:4, Innis Ergamootaa hamootaatiif bakka turtiiti (Uumama 6; 1a Heenok)

D. *Gehenna*

1. Hidda Kakuu Moofaa calaqqisiisa, “dhibuu ijoolle Heenok, “ (Iyyerusaalemirraa gara kibbaa). Innis kan warra fiinqeewwanii waaqa ibiddaa, *Molech* waaqeffannaan moolok bakka itti raawwatamu (BDB 574), Aarsaan ijoollee bakka itti dhiyaatu ture. (2a Mootota 16:3; 21:6; Seena Baraa 228:3; 33:6) Innis Lew 18:2-5isa dhorkameedha.
2. Erm isa waaqa tolfamaa waaqessuurraa gara Yaahiwweehitti bakka murtootti geeddareera. (Erm 7:32; 19:6-7). Innis kan Ibbiddaa kan baraabaraatita’eera, 1a Heenok 90:26-27 fi Siib 1:103.
3. Yeroo Yesuus kan turan Yihuudonni karaa abboota isaanii aarsaa ijoollee waaqolii tolfamootti waan baayyee yeella’uu turaniif, Iddoo sanaan Yerusaalemiif bakkaa itti kosii gatan godhaniiru. Baayyeen maloota Yesuus, Kanneen murtoo baraabaraa kan argamaniif bakka kana (Ibidda, Aara, Raamolii, Ajaa, dha. Maarqos 9:44; 46). Gahaannam kan jedhu sagaleen Yesuus qofaan hojiirra oole. (Yaa’iqoob 3:6 irraa kan hafe).
4. Kan Iyyesus *Gehenna* itti fayyadame
  - a. Ibidda, Maatiwoos 5:22;18:9; Maarqos 9:43
  - b. Dhaabbataa, Maarqos 9:48 (Maatiwoos 25:46)
  - c. Bakka badiisaa (Kan lubbuuf Foonii), Maatiwoos 10:28
  - d. Sii’olii wajjin wal cinadha. Maat. 5:29-30; 18:9
  - e. Hamoonni “Ijoolleen sii’ol” Amala jechisiisu Maatiwoos 23:15
  - f. Ija bu’aa murtooti; Maate. 23:33; Luq 12:5
  - g. Yaadni barnootaa kallattii du’a isa lammaffaadha. (Mullata 2:11; 20:6 14) Yookiin galaana Ibiddaa (Maate. 13:42; 50; Mullata19:20; 20:10, 14-15; 21:8). Isas jechuun kan danda’amu galaana ibiddaa namootaaf bakka jireenyaa dhaabbataagodhameeti. (Sii’ol) akkasumas ergamoonni (Inxorxoos, 2a Peexiroos 2:4; Yihudaa 6 Yookiis qiliilee; Luq 8:13); Mullata 9:1-10; 20:1, 3).
  - h. Namootaaf hin hojjetamne ture, Haata’u malee Seexanootaaf ergamoota isaatiif ture. , Maatiwoos 25:41

E. *Sheol*, *Hades*, fi *Gehenna* gidduu waan jiruuf jechuun kan danda’amu

1. caalmaatti namoonni hundinuu gara *Sheol/ Hades*, gadi ni bu’u. Achittis hojii hojjetan hunda (Gaariis ta’u hamaa) Guyyaa firdii booda ni sassaabbamu;
2. Haata’u malee bakki warra hamootaa akkuma sanatti hafa. (Sababii kanaan kiijjeti Haddaas yeroo hiiku (Awwaala) Gahaannam (Sii’ol) kan inni jedheen.



3. Barreeffamni Kakuu Haaraa qofti guyyaa murtoo dura kan jiru fakkenya ibiddaa ta'uu isaa kan ibse, Luq 16:19-31 (Al'aazaariif namicha sooressa sana). Sii'ol ammo akka adabbii ammaa mullateera, (Kes32:22; Far 18:1-5). Ta'ees, Eenyuyyuu fakkeenycharrttiamantii isaa hingatu.

### III. Du'aaf jireenya giduu kan jiru lafa walakkeessa

- A. Kakuu Haaraa "Aarsaa lubbuu" hin barsiisu. Innis hedduuwwan kan durii jirenya booda kan agarsiisu keessa tokko kan ta'edha.
  1. Lubbuun namootaa qaama foonawaan dura ture
  2. Lubbuun namootaa dua' fooniin duras booda kan baraabaraati.
  3. Qaammi foonii inni mullatu akka mana hidhaatti yoota'u duuti ammo akka mana isa gara jalqaba uumamattii deebi'uudha.
- B. Kakuu Haaraan qaama isaatti waan adda baheef jireenya, Du'aafi du'aa ka'uu gidduu kanjiruuf qaanqee kenna.
  1. Yesus foniif hafuura gidduu kutaa jiru dubbateera. Mate. 10:28
  2. Abrahaam tarii amma qaama qabaachuu nimala ta'a, Maarqoos 12:26-27; Luq 16:23
  3. Museef Eliyaas jijjiiramuun isaanii yeroo qaama foonii qabaniidha. Maate. 17
  4. Phaawuloos kan jedhu deebi'ee dhufuu ilma namaatti Yesuusitti kan jiraatan lubbuun jalqabatti qaama isaanii isa haaraa uffatu, 2a Tese. 413-18
  5. Phawuloos kan jedhu amantoonni qaama hafuura isaani isa haaraa guyya du'aa ka'uutti niargatu jedha. 1 Qoroxos 15:23, 52
  6. Filiphisiyus 1:23. Iyesuus du'a mo'eera, kanaafis toloota isaa wajjin gara samiitti ol fudhata, 1 Phexiroos 3:18-22.

### IV. Samii

- A. Jechi kun Macaafa Qulqullu keessatti bifa sadiin bu'arra kan ooludha.
  1. Ardii kanaan olitti kan jiru qilleensa isa akka bullukkootti lafaa haguugee jiruu, Uumama 1:1, 8; Isa 42:5, 45:18
  2. Samii Urjaawaa Uumam 1:14; Kes10:14; Far 148:4; Ibr 4:14, 7:26
  3. Iddoo teessoo Waaqayyoo; Keessas deebii 10:14; Mootota 1a 8:27; Far 148:4; Efe 4:10; Ibr 9:24 (Samii sadaffaa, 2a Qoroxos 12:2)
- B. Macaafni Qulqulluun waa'e lubbuu boodas baayee hin ibsu. Tarii namni kufe dandeettiif karaa ittin hubatuwwaan hinqabneef ta'uu danda'a. (1Qoro. 12:2).
- C. Bakka Waaqarraa (Yohaannis 14:2-3akkasumas qaamadha. (2Qoro. 5:6, 8). Tarii samiin Jannata edenitti fakkeeffamti ta'a. (Umama 1-2; Mullata 21-22). Lafti niqulqulloofti ni haaroftis. (Ergamoota 3:21, Roome 8:21; 2 Phexi. 3:10). Fakkaatti Waaqayyoo (Uumama 1:26-27) Kiristoosiin deebi'eera. Amma jannati eden firoomni tokkummaan deebi'eera.

Haata'u malee; kun faladha. (Samiin akka isa guddaa magaalaa Kuub Mullata 21:9-27) Kanaaf jecha dheedhummaatti mit. 1a Qoro. 15 Kan ibsau qaama foonawaa kan qaama hafuuraattii adda; Akka isa sanyii biqilaa guddaa godhameeti. Ammoos 1 Qoro. 2:9 (Isa 64:4 fi 65:17 kan caqase) sagalee guddaa kakuu abdidha! Isas yeroo ilallu isa akka fakkaannu nan beeka (I Yohan 3:2).

### V. Madda gargaara ta'an

- A. William Hendriksen, *The Bible On the Life Hereafter*
- B. Maurice Rawlings, *Beyond Death's Door*

■ **"Gara samutti yoo ba'anis"** kun guutuu guutuuti faalla Si'oolitti ibsi luqisii kanaa (jechuun, lakk.1-4) Fara 139:8 haala jiru kan yaadachiisuudha. Waaqayyo duraa eessa iyyuu dhokkachuun in danda'amu! Luqisii kanaan samiin tarii lafa ol kan jiruu qilleensa naannoo lafaa (Uumama 1:1 14-19, 20) malee keessa Waaqayyoo kan argisiisu miti (ammam illee Isa 14:12-14 tti samii tokkoo fi samii sadaa gidduu kan jiruu yaada Yihudoota tokko kan godhu yoo fakkatees).

**9:3 "Mataa Qarmelihoos irraas yoo dhokkatan"** bakkii kun tarii (1) Baay'ee kan walitti duudee bosona (BDB 5211) olqaa baay'ee wajjiin kan jiruu ta'uu isaa yookaan (2) Bakka waaqeffannaa aadaa akka turee kan argisiisu fakkeenya walitti hidhataa ta'uu danda'a. (Moototaa isa duraa 18).

■ **“Galaana gadi fagoo keessa ija koo duraa yoo dhokatan”** kun ilmii namaa cubbamaan Waaqayyo duraa dhokkachuudhaaf yaali inni godhu kan argisiisuu jecha dhokataa akka ta’ee ifaadha (Iyo 34:21-22, Fara 139:9-12, Er 16:16-17). Israa’elonnii namoota lafa gamoojjii turan bishaan bal’aadhaa fi gadi fagoo hin sodaatu turan. Dhokachuu kan danda’an bakki inni dhumaa bishaan gadii fagoodha.

■ **“Boficha nan abooma innis isiin hidda”** kun naanna’ee kan inni dubbatuu seena afaaniin kan beekamuu bineensa bishaan gadii fagoo keessa Leewatan (Iyo 3:8, 41:1, Fara 74:13-14, 104:26, Isa 27:1) yookaan waa’ee Ra’aab (Iyo 9:13, 26:12, Fara 89:10, Isa 51:9). Jequumsa kan uume bofa sodaachisaa (BDB 845, KB 1010, *Piel IMPERFECT*)Waaqayyon akka ajaje yaadadhau.

**9:4** Kun luqisii baay’ee nama naasisuudha dheekamsa Waaqayyootii fi murtiin ari’atama irratti yoo ta’anis isaan hordofa. Akkuma gormuu horii gara biyyaa hormaatti hin oofamuu haa ta’uu malee isaaniis yoo ta’ee du’ii isaan eegata Waaqayyoo haraara tokkuuyyuu in agarsiisu (Hose’aa 1:6, 2:4) sababii isaa yeroo kana booddee kan isaa kan ta’an (Hose’aa 1:9, 2:23). Luqisiin kun kakuu Waaqayyo sababa eeguu dhiisuu wanti dhufu ibsa (Leewoota 26 1 irratti lakk.33).

■ **“Ija koos isaan irratti hameenyaaf malee gaarumaadhaaf in godhu”** kuni abdi kakuu wajjin sirritti wal falleessa kun jecha dhokataa wal fakkaatuu fi jechi yeroo baay’ee Er keessatti xuqaamera (21:10, 39:16, 44:11, 27). Kuni Leewoota 26 fi keessumaatti Kesi 27-29 keessatti kan jiran abaarsaa fi kutaa eebba calaqisiisa. Waaqayyoo biyyatti abditti ala to’annoo waaqa tolfamaa jala akka ta’an saba yaadan irratti kan raawwataman aboomoota adeemsiisuuf taayita akka qabuu hubadha. Isaan waaqolliin biraan kun aboomamuu irraa kan hafee fillannoo in qaban.

### **Amos 9:5-6**

<sup>5</sup>Waaqayyo gooftaan maccaa harkaa isaatiin laficha in tuqa, lafichii in raafama, warri isaa irra jiraatanis in bo’u; guutummaan biyyichaa akkuma laga Abbayyaa isa Gibxii keessa yaa’uus gad in gala\*.

<sup>6</sup>Waaqayyo gooftaan mana iasa gararra, bantiwwan waaqa keessatti in ijaare; banti waaqa isa naannoos lafa gararraa in dhaabe; inni bishaan galaanaa waamee, irra lafaatti lolaasus maqaan isaa Waaqayyoo dha\*.

**9:5-6** Kun Yaahiwwee waa’ee uumu isaa kan dhi’aataniif galanii sadii ol qaqabuu yookaan walaloon isa dhumaati (4:13 fi 5:8-9).

**9:5** Kun tarii sochii lafaa kan biraa kan biraa luqisii ta’uu danda’a. 1:1, 8:8-9, 9:1 (jechuun, lafatiin akka bishaan abbayyaa ka’uudhaaf gadi bu’uu).

■ **“Waaqayyo gooftaan maccaa”** waamichi kuni 3:13, 4:13, 5:14, 16, 17, 6:8, 14 irratti argama. Mata duree adda 1:2 irratti ma laa Waaqayyoollii fi 5:14 irratti kan ibsamee yaadannoo ilaala.

**9:6** Isaan kun hiikaa fi rakkisoo kan ta’an jecha dhokataa uumuti. Waaqayyo waaqa fi lafaa kan uume akka ta’ee in dubbatu (Uma1, Far 104). Inni Waaqa fi lafaa qaama bishaani laman isaa ashaboo fi isa qulqulluu kan to’atuudha (jechuun, humna uumamaa). “Sami” (BDB 8) kan jedhuu “bakka kuusaa mi’aa” jedhamee hiikamuu in danda’ama. Akkasumas akkas yoo ta’ee lakk.6 A teessoo Waaqayyo bakka akkasumas 6:6 teessoo ilma namaa agarsiisa. Laman isaa garuu Yaahiwween kan uumamanidha (lakk. 5 A, lakk.6 E).

■ **“Maqaan Isa Waaqayyoodha”** mata duree addaa maqaa Waaqayyoolli 1:2 irratti ilaala.

### **Amos 9:7-10**

<sup>7</sup>Waaqayyo, “Yaa namoota Israa’el, isin anaaf akkuma ijoollee Kuushwarra fagoo sanaa mitiree? Waarra Israa’el biyya Gibxiitii akkuman ol baase, warra Filiisxiyaa biyya Kaافتor keessaa, warra aaramis biyya Qiir keessaa nan fide mitii ree?” jedhee dubbateera\*.

<sup>8</sup> Kunoo, Waaqayyo gooftaan mootummaa biyya cubbamaa kana ija dheekkamsaatiin in ilaala; Waaqayyo, “ani lafa irraa isa nan balleessa; haa ta’uu malee, sanyii Yaaqoob guutummaatti hin balleessu\*.

<sup>10</sup>Saba koo keessa cubbamoondi warri, ‘wanti hamaan nutty hin dhi’aatu, nu hin qaqqabus’ jedhan hundinuu billaadhaan in du’u” jedhe dubbateera\*.

**9:7-8** UBS, *A Translator's Handbook on the Book of Amos*, Amosiin qajeelfama macaafaa irratti kan hiikaan lakk. 7 fi 8 giddutti kan jiru kan walitti dhufuu ilaalcha nama hawatuu argisiiseera. Lakk.7 Israa'el kan wayituu addaa fi dursii kan kennamuufakka hin taane ibsa. Karaa biraatiin immoo lakk. 8 Waaqayyo mata isheetiif kan inni qabuu eegumsa kakuu adda argisiisa (fuula 181). Kun dhiphinna wal fakkaatuu kakuu haara keessatis in argama.

**MATA DUREE ADDAA: “DHIPHINNA” (MUL’ATAN KAN HOJEETAN IBSA KOO IRRATTI SEENSA BARBAACHIISA MAXANSA 12 KAN FUDHATAN)**

**Muddama inni tokkoffaan** (kan kauu moofaa kan sanyii kan biyyummaa fi kan ramaddii teessuma lafaa kan Addunyaa irratti argaman amantoota hundumaa wajiin) hundumtuu kan Kakuu Moofaa raajoonni Filisxeem keessatti Yerusaaaleemiin giddu daleessa kan godhatee bittaawwa Yihudoota ammas akka deebisuuf uummata biyya lafaa seera bitaa Daawiti ol ol qabuu fi tajaajilugara kanatti akka sasaaban raajaniiru, haa ta’uu malee yesuusiinis ta’ee ergamooti Kakuu Haaraa tassumaa dhimma kana irratti hin xiyyaafanne. Ibsi Kakuu Moofaa haafuraan in sakkata’aamne (Mat 5:17-19) jechudhaa? Yookiis Kakuu Haaraan macaafichi kan raawwate dhugaa isa guddaa dadhabsiiseera?

Waa’ee dhuma biyyaa lafaa kan yaadachisaan maddi baay’een jiruu

- a) Raajonni Kakuu Moofaa (Isa , Mikiyaas, Milkiyaas)
- b) Kan Kakuu Moofaa guyyaan dhufaati bareesitootni (Hizqi’eel 37-39, Dani’eel 7:12, Zaka)
- c) Luqisii barreefama qulqulluu kan hin taanee kan Yihudoota guyyaa dhufaati barreeffama (akka 1 Henok waa’ee Yihudoota kan barreesse)
- d) Yesuus mataan isaa (Mat 24, Mar 13, Luq 21).
- e) Barreefamni Phawuuloos (1 Qorontoos 15, 2Qorontoos 5, 1Tesselonqee 4-5, 2Teselonqee 2).
- f) Barreefama Yohaannis (Yoh isa duraatii fi mul’ata).

Isaan kun hundumtuu waa’ee raawwii yaada ifatti barsiisu (Kiristoos irraa namoota dura boodan) yoo hin taanee maaliif? Hafuuraan kan barratan miti (bara Yihudoota kakuu barreeffama irraa kan hafee)?

Jehaa fi rimmidiidhaan haa gargaaraniif haafuuri qulqulluun dhugaa isaa barreesitoota Kakuu Moofaatti ibseeraaf. Ta’es haafuuri qulqulluun isaan ibsa Kakuu Moofaa yaada dhumma biyya lafaa haggaa ammatuuti bal’iseera. (“dhoksa Kiristoos” Effesson 2:11-3:13).

Kan itti fufee jiruu fakkeenya qabatamaa ragawwan haa ilaaluu

1. Kakuu Moofaa keessatti magaalaa Yerusaaaleem saba Waaqayyo (Tsiyoon) dhoksa argisiisuu taate tuqamte jirti, ta’us garuu, kakuu haaratti Waaqayyon amanani qalbi kan jijjiratan namooti hundumtuu akka simatuu kan argisiisuu dhi’eenya qaba (kan mul’ata magaalatti haara Yerusaaaleem).Barreefamni barsiisa Waaqayyummaa fi magalaan qaaman turtee gara ishee haara saba Waaqayyoo magala balinnatti (kan Yihudootaati fi amantooti Faarisoota) tokkoll4e Yihudootaa fi magalaan Yihudoota utuu hin jiraatiin dura Waaqayyo kan kufee ilma namaa oolchuudhaaf kakuu inni galee ta’uu isaaUma3:15 ibsamee argama. Waamamuun Abirahami illee (Uumama 12:1-3) Fariisoota hirmachiise ture (Uumamaa 12:3, Bau 19:5).
2. Kakuu Moofaaatti dinni saba Waaqayyo kan turan kan naannoo kan durii biyyoota baha dhi’oo turan haa ta’uu malee Kakuu Haaraati diinni saba Waaqayyo warra in amane haafura seexanaatiin kan geggeefamanii fi diinna saba Waaqayyoo gara warra ta’ani bal’ata dhufeera.lolichi olla irraa walitti bu’iinsa naannoo gara biyyoolessaati fi walitti bu’insa wali galaatti ce’eera (Qolasiyaas )
3. Kakuu Moofaaatti murtaa’e kan turee abdiin biyyatti (kan Uma abboota amantii kakuu isaaniUma12:7, 13:15, 15:7-15, 17:8) amma gara biyya lafa hundumaati bal’ateera. Amma Yerusaaaleem ishee haaraan kan baha dhi’oo qofa yookaan kan murtooftee utuu hin ta’iin haara irra deebite kan lafa uumamate taatetti (Mul’ata 21-22).
4. Bal’ataa kan dhufaan yaada raajii Kakuu Moofaa gidduutti fakkeenya murta’an kan ta’an (1)Amma sanyii Abirahaam namni haafuura kitaanameera (Rom e 2:28-29) (2) Amma sabi kakuu hormootas hammateera (Hose’aa 1:10, 2:23, Rom 9:24-26 tuqameera dabalataan Lew 26:12, Bau 29:45, 2 Qor. 6:16-18 tuqameera. Akkasumas Bau 19:5, Kes 14:2, Tiitoo 2:14 tuqameera).(3)Amma mani qulqullummaa Yesuusiidha, akkasumas karaa isaa waldaan kiristaana naannoo (1 Qor. 3:16) yookaan

amanaan dhuunfaa (1 Qoroonxoos 6:19) fi (4) Amma Kakuu Moofaaati goochmni kan ibsamee Israa'eli fi amala ishee walummaa galatti kan argisiisan saba Waaqayyotti (jechuun, "Israa'eel" Rom e 9:6, Gal 6:16 "mootummaa luboota" 1 Phexiroos 2:5, 9-10. Mul'ata 1:6).

Fakkeenya raajii xumureera, babalateera, amma immoo caalatti hundumaa kan ammatu ta'eera. Yesuusi fi barreesitooti Ergamoota waa'ee bara dhumma akka raajoota Kakuu Moofaatti fakkeessani hin dhi'eesine (Martiin Wayin Gardeen, mootummaa gara fula duraa raajii fi raawwata).

Kan kauu moofa kan jiruu barreeffamni fakkeenya yookaan boca kan fudhatan hiiktooti ammayyaa mul'ata caalatti barreesitootni Yihudoota kan ibsuu fi kan Yesuus akkasumas kan Phawuuloos gaalee Atomayiziidii, bitaacha kan namatti galchu gochuu miciraniiru! Barreesitooti kakuu haara yaada raajoota Kakuu Moofaa guddaa dhaa fi ta'ii biyyoolleessa kan argisiisuu akka ta'an ibsuu malee kan wal falleessan miti. Kan Yesuus yookaan klan Phawuuloos barri dhumma ibsii tokkoollee kan qinda'ee fi ta'uu kan qabuu seera hin isan hin barbaachifne. Akeeki isaani guddaan fayyisuuudhaa fi yookaan barumsa hafuurati. Ta'us garuu Kakuu Haaraa keessatti illee yoo ta'ees dhiphina qaba. Waa'ee haala bara dhumaa tokkoollee dursaa haala seera hin qabu. Mul'ati karaa baay'eedhaan Yesuusi waa'ee bara dhumaa yeroo ibsuu barrumsa inni barsiise irraa caala kan Kakuu Moofaa fakkeenya gargaaramuun isaa kan nama diqisiisu (Mat 24, Mar15) Hizqi'eel irratti Daani'eeli fi Zakiin kan jalqabee barreeffama Sharbee (genre) hordofa ta'us garuu bara kakuutti guddataa dhufeera (bara Yihudoota dhumaati barreeffama). Kun tarii Yohannis kan dulloomee fi kakuu haara karaa inni tokko godhe ta'uu danda'a. barri dheeran kun hameenya namaa jiruu fi kutannoo fayyisuu Waaqayyo argisiisa. Ammam illee kakuu haaran qooqa Kakuu Moofaa, namaa fi mudannoo fayyaddamuuf haalota deebisee kan ibsu garuu kan Room ilaalcha jaarra jalqabaati.

### **Muddama lammaaffaa** (Waaqa tokkoo waaqessuu saba fillatamanii wajjin)

Xiyyaaffannoon Macaafa Qulqulluu tokko eenyummaa, nama haafuraa, uuma/fayyisaa kan jiruu Waaqayyoo irrattidha. (Bau 8:10, Isa 44:24, 45:5-7, 14, 18, 21-22, 46:9, Er 10:6-7). Kakuu Moofaa adda kan godhuu yeroo isaatti waa'ee Waaqa tokkoo ibsuu isaati. Mootummooti naannoo turan walummaa galatti waaqollii baay'eetti kan amanann turan. Mul'ati Kakuu Moofaa kan argisiisuu Waaqayyo tokko akka ta'eedha (Kes 6:4). Uumamni Waaqayyoodhaan akkasumas bifa isaatii fi fakkeenya isaa (Uumama 1:26-27) nama uumamee giddutti kan xiyyafamee tokkummaan sadarkaa tokkoodha. Ta'us garuu namani jalaala Waaqayyotti qajeelfamaa fi naannoo irratti cubbuu hojjechuudhaan didee (Uumamaa 3). Jaalalli Waaqayyo fi akeeki isaa baay'ee cimaadhaa fi dhugaa ta'uu isaa irraa kan ka'ee Waaqayyo sanyii namaa kufee akka oolchu kakuu galeera (Uumama 3 :15)!

Dhiphinnichi kan inni itti dabale Waaqayyo sanyii namaa hafee ga'udhaaf nama tokkoo, maatii tokkoo, saba tokkoo, yeroo fillateetidha. Waaqayyo Abiraahamii fi Yihudoota akka mootummaa lubootaati (Bau 19:4-6) fillachuun tajaajila caala ulfinna, walitti qabachuu caala walitti qabuu dhiisuu uumeera. Waaqayyo waamichi inni Abirahaamiif godhee sanyii namaa hundumaa eebbisuuf akeeke ture (Uumama 12:3) fillannoon Kakuu Moofaa kan ture tajaajilaaf malee birmadummaadhaaf akka in taanee yaadachuun xiyyaaffannoo kan kennu ta'uu qaba. Walumaa galatti israa'el amantaa dhuunfa isaanitii fi maboomamuu isaani (Uumama 15:6, Rom e 4 keessatti xuqameera.) Malee Waaqayyodha wajjin waan wal qixxeessaan callisee dhalachuun mirgii isaani qoftii raawwatani barabaraan kan fayyan miti (Yhannis 8:31-56, Mat 3:9). Israa'el ergama ishee dogogorteeti, itti gaafatamummaa ishee gara bu'aatti, tajaajila ishee gara ejjennoo addatti jijjirteeti! Waaqayyo hundumaa fillachuuf tokkoo filateera!

### **Muddama sadaaffaa** (fudhatama kan argatan kakuu haala dursuu kan hin qabne kakuu wajjiin)

Dursa haala kan qabanii fi kakuu hin qabnee giddutti muudama barrumsa haafuuratiin yookaan jechoota wal faalleessan qaba. Akeeki fayyisu Waaqayyo dursa haala kan hin qabne akka ta'ee ifaadha (Uumamaa 15:12-21). Ta'us garuu namaaf dirqamni inni kennee deebiin isaa yeroo hundumaa durs haara kan qabuudha!

Lamaanuu Kakuu Moofaa fi kakuu haara keessattii "akkas yoo ta'ee.....akkas in ta'a" bareefamni bifa akkasi in mul'ata. Waaqayyo amanamadha, ilmii namaa garuu amanamaa miti. Mudamii kunni baay'ee bitaacha kan namatti galuu fideera. Kan hiikaan "bitaacha itti galuu irraa handhura" gara isaa tokkoo qofa irratti xiyyaaffannoo gochuun jal'isaniiru, amanamummaan Waaqayyo yookaan yaaliin namaa olaantummaa Waaqayyoo yookaan fillannoo bilisaa namaa. Lachuu Macaafa Qulqulluudhaaf barbaachisaadha.

Kun amma bara dhumaati Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti Israa'eliif kan kenne sagallee abdi wajjin adeema. Kakuun sagallee abdi kana erga kenne, akka raawwatamuu in godha sirridhaa? Waaqayyo sagallee abdi isaa wajjin kan walitti hidhameedha kabajji Isa isa wajjin adeema (Hiz 36:22-38). Dursa haala kan qabaniif kan in qabne kakuu Kiristoosiin tokkoo ta'uu (Isa 53) malee Israa'elin miti. Amanamummaan guddaan Waaqayyo qalbi kan jijjiiratanii fi kan amanan hundumaa irratti oolchu godhamuudha malee abban isaa/maatiin isaa eenyuudha kan jedhuun miti! Kakuu Waaqayyootii fi sagallee abdi isaatiif furtoon Kiriistoos malee Israa'eliin miti. barrumsa haafuraa Macaafa Qulqulluu keessatti yaada jalqabaa irraa adda ba'ee kan mul'atuu yoo jiraate kun waldaa Kiristaana utuu hin ta'iin Israa'elidha (Hojii Ergamoota 7 fi Gal 3). Ergama labsii wangeella biyyaa lafaa gara waldaa Kiristaanatti darbeera (Mat 28:18-20, Luk 24:47, Hojii Ergamoota 1:8). Kun haggaa ammatti dursa haala kan qabuu kakuudha kana jechuun Waaqayyo guutuu guutuutti Yihudoota dhiiseera jechuu miti (Rom e 9-11). Yeroo dhumaatti amanuu Israa'el bakkaa fi akeeka qabaachu danda'a (Zaka 12:10).

### **MuddamaArfaafaa** (boca barreefama bahaa dhi'oo boca warra dhi'aa wajjiin)

Macaafa Qulqulluu sirritti hiikuudhaan tooftaa barreefama isaa baay'ee barbaachisadha. Waldaan kiristaana guddinna isheewarra Lixaatiin (Girikii) hundee aadaa ture. Barrefami warra bahaa kan ammayyoomee barreefama warra lixaa boca barreefamaa caalaatti baay'ee lkan ibsuuf jecha dhokkataadhaaf mallattoooha. Kan hawaasummaa dhugaa duuka jiru caalatti namaan, mudannoo dhaa fi ta'ii irratti xiyyaafata. Kiriistanonni seena mata isaanitii fi boca barreefamaa fudhachuudhaaf raajii Macaafa Qulqulluu (lamaanuu Kakuu Moofaaadhaa fi kakuu haara) hiikuudhaaf fayyadamuu isaani dhaloota tokkoon tokkoon isaati fi qaami lafaa mulata hiikuudhaaf aadaa mataa isaa, seenaa fi wanta ijoo fayyadameeti. Isaan giduudha tokkoo sirri hin ture! Raajii Macaafa Qulqulluu aadaa ammayyoomee warra lixaa irratti kan xiyyafateedha jedhanii yaaduun dogogora! Inni guddaan hafuuraan kan geggeefamee barreessan barreesuus kan inni fillatee tooftaa barreefamaa haala dubbistoota wajjiin bifa wali galuudhaan.


**8:7 “Qilleensa facaasani bubee hamaatan”** kan jalqaba barreeffami lamaan gamtaa fi cuunfaan Waaqayyof gochuuf gochaa qabnuu fakkeenya barreeffama dubbataniidha(jechuun, faacasuu fi haamu geggeessan hafuura, 10:12-13, 12:2, Iyo 4:8, 2 Qor. 9:6, Gal 6:7).

■ **“Keessumooni in nyaatuu”** kun kan Israa’el Asooriin bitamuu ishee kan argisiisuudha (Isa 7:1). Israa’el Ba’aaliin kan galateefatuu midhaan (tarii tokkoo yoo argamee lakk.7 sararoota C,D ) ofii isaanitii kan nyaatan in ta’uu (jechuun, warri Asoor).

### Hose’aa 8:8-10

<sup>8</sup> “Warri Israa’el in miliqfaman, amma immoo saba lafa irraa keessatti akka qodaa namatti hin tollee in ta’an\*.

<sup>9</sup> Haarreen diidaa illee kophaatti in jiraata,  
isaan garuu warra Asirii wajjiin wali galuudhaaf ol ba’an;  
namoonni Efreemiis kennaadhaan,  
namoonni ejjumaaf akka isaan jaallattan godhan\*.

<sup>10</sup> Isaan saba lafa irraa keessaa kennaadhaan  
warra isaanii wajjin wali galan yoo argatan iyyuu,  
anni amma qabaa koo jala isaan nan galcha;  
egaa isaan yeroo gabaabaatti ba’aa mootii gurguddoota  
Asor jalaa in wiriiqqatu.

**8:8** “**Israa’eel liqimfanteeti**” ggochamni du’uuf (Si’ool Abboota firdii 1:12) akkasumas badiisa irratti gada jiruu kan ibsuu gadda dhokkatadha. As irratti Israa’eel hidhaadhaaf akka fudhatamtee ibsuuf tajaajila (Fakkeenyaaf Fara 124:3, Er 51:34, Faaruu Er 2:16).

■ **“Har’a akka mi’aa xuraa’ee) kun “mi’a”** (BDB 479) jechi jedhuu dame hiika bal’aa qaba

1. Wantoota mi’a ta’ee wanta namaan hojjetamee (jechuun jabbi warqe)
2. Waan ta’ee tokkoo teessoo mi’a mi’aa (fakkeenyaaf Er 25:34)
3. Boojuun mi’a fudhatamee (jechuun, “mi’a” fakkeenyaaf Er 46:19, Hiz 13:3, 4, 7,)
4. Jechaa dhokataa kan sabaa kan haguugamee (Fakkeenyaaf Er 48:38)

Lakk. 4 fi lakk.1 gidduu kan biyyoolleessa xinnoo kan mul’atuu ta’uu danda’a dhalatooti Israa’el “hormoota hundumaa irraa qabeenya filaatame” “mootummaa luboota” (Bau 19:5-6) akka ta’an ture kan yaadamee haa ta’uu malee amma akkuma saba biraa ta’an. Waaqayyo karaa isaani biyya lafaatti mata isaa ibsuudhaaf akeeki isaa (Bau 19:5, Amos 3:2).

**8:9** “**Gara Asooritti ba’aniiru**” gochamii kun (BDB 748, KB 828, Qal PERFECT) kallatti kan argisiisuu ammami illee Asoor kaaba bahaa kan jirtuu yoo ta’ees gara ishee deemuu kara tokkichi kaaba qabatanitti. Kaabi kan xura’ummaatii fi kan jecha dhokataa hameenya ta’aa deemteetti. Lakk. kun Israa’eel gargaarsa argachuuf jecha gargaarsa Asoor barbaada jiraachuu ishee kan ibsuudha.

■ **“Qophaa isaa kan jiraatuu akka harree lafa gamoojjii”** harree diidoon amalii isaanii inni tokkoo (BDB 825) yeroo wal qunaamtii (walqunaamtii waaqeffanna kan ibsuu) to’annaa baasii ta’uu isaanitti (Er 2:23-23). Israa’el karaa kana ture gara waaqeffannaa waaqa tolfamaatti kan jal’ate.

■ **“Efreemiis firoota isaa harka fuudhaan bitte”** gochamichi (BDB 1071, KB 1759 Nihil PERFECT) waaqeffanna jaalallee kan fudhachuu barreefama qulqulla’aa qaba (2:12). Kun gargaarsa biyyaa alaa argisiisa (fakkeenyaaf lakk. 10 Hiz 16:36-37). Isaani gargaartuu siyaasa Waaqayyoolli sabichaa itti dabaluuudhaan yeroo hundumaa in geggeefamu turan. Dhufii isaa jaalalleen isa amma diina isaati kan jedhuudha (lakk.3) qabiyyee kana keessatti waaqeffannaan barsiisoota jireenya hafuura bade ibsuuf akka tajaajilu ibsa. Kun (1) kallatiidhaan (2) jecha dhokataa yookaan (3) lamaan isaani akka ta’ee beekuudhaaf rakkisaadha. Kan warra Kana’aan waaqeffannaa Ba’aali wajjin kan wal qabatee kutaa wal qunaamtii akka turee ragaan xiqqoon jira. Israa’eel badii isaani caalatti hadha’aa kan godhuu waaqenna kanaa godhee ta’uu danda’a.

**8:10** “**Haa ta’uu malee hormootaaf harka fuudha yoo kennan...mootiidhaaf ba’aa geggeesitoota irraa kan ka’ee in dadhabuu**” kun Asooritti (mootiin isaani “mooti mootoota” jedhama ture kun Babiloonitti waamicha isaaniti “kan moototaa mootii” kan jedhuu wajjin wal qabate jira) in gaafatama kan turee gibira guddaa kan argisiisuudha.

■ **“An amma walittaan isin qaba”** gochamichii (BDB 867, KB 1062, Piel IMPERFECT) haala barratameen Waaqayyo murtii isaa booda saba isaa tamsa’ee akka walitti qabuu argisiisuudhaaf kan fayyaduu ta’uu yemmuu ta’uu as irratti garuu murtiidhaaf akka walitti qabaman hiika ibsu qaba (jechuun, mana hidha).

## **Hose’aa 8:11-14**

<sup>1</sup>“Efreem iddoo aarsaa baay’ise; iddowwan aarssaa sun immoo sababii cubbuu iasatti ta’an.

<sup>12</sup> Seera koo hammam baay’isee caaffataan yoon isaaf kenne iyyuu, akka kan ormaatti in lakkaa’ama.

<sup>13</sup> isaan aarsaa in jaallatu, foon aarsaadhaaf in dhi’eessu, isa irraas in nyaatu, anni Waaqayyo garuu isaanitti hin gammanne; ani amma irra daddarbaa isaani nan yaadadha, cubbuu isaaniif isaan nan adaba;

isaan immoo gara biyya Gibxitti in deebi’u\*.

<sup>14</sup>Warri Israa’el uummaa isaanii irraanfataniiiru, mana gurguddaa ijaarantaniiru;

warri Yihudaas mandaroota marsaa cimaa qaban in baay’isan, ani garuu mandaroota isaanii irratti abidda nan erga, innis mana isaani warra jajjaboo in fixa” jedhe\*.

**8:11 “Efreem cubbuu hojjechuudhaaf iddoo aarsaa baay’iseera”** kun (1) Bet’elii fi Daanii kan waaqefamaan jabbii warqee yookaan (2) biyyicha keessatti bakka ol ka’aa hunduma irrati fi tokkoon tokkoon mandaraa keessatti Ba’aal bakki inni waaqefamuu argisiisa. Dhufii isaa kan Israa’el amantaa hubachuun ta’uu, akkasumas badiisa itti fidaa ture “cubbuu gochuudhaaf” iddoo aarsa Goochimni jedhu u xiyyaafannoo akka argatuuf ala lamaa deddeebi’eera.

**8:12 “Baay’ina seera koo barreeseeraaf”** Waaqayyoo ifaafi irra deddeebi’uudhaam mataa isa ibseeraaf (jechuun seerota kuma kudhan” fakkeenyaaf 11:2 fi Mootota isa 2 17:13-15, Yihudaadhaaf). Rakkini isaani dhabiinsa ragaa in ture haa ta’uu malee kan isaanitti hir’ate (1) kan dhugaa (2) kakuuf amanamuu (3) amantii dhuunfa ture (4:1) ifa Waaqayyootiif dhugaa irratti ka’an.



NASB, NRSV

“Isaan garuu akka wanta keesumaati lakka’aaniiruu”

NKJV

“Haa ta’uu malee isaan wanta keessummaa ilaalaniiru”

TEV

“Haa ta’uu malee isaan akka keesummaatii fi akka ormaati gataaniiru”

NJB

“Efreem akka waan hin beekanneeti lakka’eera”

“Wanta keessumma” (BDB 266, KB 267, Qal keyaata PARTICIPLE guutuu) waamichi jedhu miiira baay’een dhi’aateera

1. Miseensa maatii kan hin taane (fakkeenyaaf Kesi 25:5, Hose’aa 5:7)
2. Seera sirridhaaf aboomamuu diduu
  - a. Aaruu Bau 30:9
  - b. Ibdda Leewoota 10:1
3. Ejjitootni fakkeenyaaf Abboota firdii 2:16, 5:3, 20, 7:2, 22:14
4. Namoota biyya alaa (dinoota, warra lolan) fakkeenyaaf 7:9, 8:7, Isa 1:7, 25:2, 5, 29:5, 61:5, Er 51:51, Hiz 28:7, 10 isaaniis seeri Waaqayyo maatii kan hin taanee qaama alaatiif ta’ee ture.

**8:13 “Aarsa koo in dhi’eesu, fooniis in qalu in nyaatuus”** maqaan isaa (BDB 257) kanaafiis gochamichi (BDB 256) xiyyaafanno itti kennuuf fayyadama isaan qaban hubadhu. Kun mataa ofi jaalachuu irraa kan made fedhii seera amantaa tokkoo irratti kan wali wajjini nyaata raawwachuu kan argisiisuu fakkaataa (Lew 7:15-18).

■ **“Waaqayyo garuu isaan simatu”** “gammachuu” (BDB 953, KB 1280, Qal PERFECR) “simachuu” (namoonni Er 14:10, Hiz 20:40 fi aarsawwaan Er 14:12, Hiz 20:41) jechudha. Lakk kunii fi yaadi isaa 5:6 wajjin adeema. Waaqayyo seera waaqeffanna kan itti gammaduu amantaa laphee irra made fi abomamuun yoo itti dabalameedha (Amos 5:21-28, Mikiyaas 6:6-8).

■ **“Yakka isaaniis in yaada”** 7:2 irra irra kan jiruu yaadannoo ilaali.

■ **“Isaanis gara Gibxiitti in deebi’u”** kun kan Bau deebi’e dhufuu yookaan jecha dhokataa karaa garbummaa argisiisuu fakkaata (7:16, 9:3). Kanaaf 11:5 yeroo wal bira qaamuu kan wal faalleessan fakkaata. Ta’us garuu kan Gibxii akka mallatto garbummaati godhe akka itti fayyadamee yaada. Israa’el gara garbummaatti in deebiti haa ta’uu malee amma Asooriin ta’a (jechuun “mana hidhaa” Israa’el “kan deebituu”) (jechuun gochama wal fakkaatu). Ta’ee “in naannooftuu” (jechuu, qalbii jijjiiraachuu BDB 996, KB 1427).

**8:14 “Israa’el irranfateera”** Israa’el Waaqayyoof kakuu isaa (2:13, 4:6, 3:6). “Irranfateetti” kanaaf Waaqayyo yakka ishee “in yaadata” (lakk.13)!

■ **“Uuma isaa”** kun “irraanfachuu” kallattiin kan of duuka fudhatuuf “hojjechuu” (BDB 793, KB 889) gochamichi Qal keyaata PARTICIPLE guutuudha. Israa’eel mataa isaaniitiif (lakk. 6 waaqa tolfamaa) (jechuun, jabbii warqee) hojjetan kan jedhuuf Israa’el kan uume (Uumama 1:26, Isa 17:7) irraanfatan kan jedhuu giddu dhuufaatiin jira. “Uumaa” jecha jedhuu Uumautuu in ta’iin saba (jechuun, waamamuu Abirahaam, Bau Siinaati seera kennuu) tolchuuudhaaf kaka’umsa Waaqayyo kan argisiisuu ta’uu danda’a.

■ **“Bakka aarsaas hojjeetera...magaala daanoos hojjeetera”** Israa’el qabeenya isheetiin amanachaa turte (lakk.14). Yihudaan humna waranaa isheetiin jabinna amanate. Kan hojjetu gocha ijoollee namaa kan nama aja’ibsiisuu miti. In baduu! Mootota isa 2 18:13 keessatti Seenakireem magaalaa Yihudaa hundumaa to’anna jalaa akka oolche dubbateera.

■ **“Abiddan erga”** Niddot, maxansa 1 fuula 533 “dinoota Israa’eliif kan yaadame adaba gubachuu magaalaa kan dabalate ture (Er 43:12-13, 49:27). Kunnis jijjiirama adda ta’ee Amos 1:4, 7, 10, 12, 14, 2:2, 5, Hose’aa 8:14

keessa kan taa'ee yeroo ta'uu “abiddan erga” jedhamee kan taa'e yaadi kun tarii yaada warana qulqulluu faalla isaatiin kan taa'e ta'uu danda'a. Akkas yoo ta'ee Waaqayyo Israa'eliif kan dhorkuu fi kan loluu fi utuu hin ta'iin Waaqayyo mataan isaa isa jalqabaa diina Israa'el ta'ee jechuudha. Akka erga raajoota hundumaati kun kan nama naasisuu galagaltoodha.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. 8:4 keessaatti “isaan” kan jedhuu eenyuun argisiisaa?
2. Maaliif “jabbiin warqee” waaqessuun Yaahiwwee akka jibuuti kan ilaalamuu?
3. 8:13, 11:5 wajjiin kan wal falleessuu?

# HOSE'AA 9

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Cubboo Israa'eeliif Firdii	Sababaa Fincila Israa'eel Waaqayyo Irrattiitiif Kan Ka'e Firdii Waaqayyoo Israa'eel Irratti (4:1-14:9)	Hosee'aan Cubbii Israa'eeliif Adabbii labsa	Gadda booji'amuu
9:1-2	9:1-17	9:1-6	9:1-6
9:3-6			Adabbiin akka dhufuu dursee dubbachuu isaatiif gidiraa Raajichaa
		9:7-9	9:7-9
9:10-16		Cubbuu Israa'eelii fi rakkin inni qaqqabsiise 9:10-12	Adabbii yakka Ba'aal Pii'oor 9:10-14
		9:13-14	
		Firdii Waaqayyoo Israa'eel irratti 9:15-16	Giilgaal 9:15-17
		Raajichii wa'ee Israa'eel Dubbata	
9:17		9:17-10:8	

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABBANNA JECHAA FI GAALLEE

#### Hose'aa 9:1-6

<sup>1</sup>Yaa Israa'el atti ejjuu keetiin Waaqayyo irraa waan garagalteef, midhaan obdii hundumaa irratti argattus

“Gatii gaalamootummaa kootii ti”

jette fudhachuu waan jaallaatteef hin gammadin, akka saba warra kaanitis hin ililchin\*.

<sup>2</sup>Obdii midhaani keessaatti midhaan,



**iddoo waynii ittii cuunfan keessatti wayniin namootaaf hin argamu;  
daadhiin waynii haaraas isan in dida\*.**

**<sup>3</sup> Isaan biyya Waaqayyoo isaanii kenne keessatti hin hafan;**

**Efreem gara biyya Gibxiti in deebi'a,  
biyya Asoritti nyaata xura'aa nyaachuuf jira\*.**

**<sup>4</sup> Isaan dhibaayyuu daadhii waynii**

**Waaqayyooof hin dhibaafatan,qalma gubamus isaaf hin qopheessan;**

**buddeenni isaani akka buddeena warra gaddaa isaanitti in ta'a,**

**buddeeni isaani mataa isaani duwwaadhaaf waan ta'eef**

**gara mana Waaqayyoo in dhufu;**

**warri isa nyaatan hundinuus in xureeffamu.**

**<sup>5</sup>Guyyaa ayyaana beekameetti, guyyaa ayyaanaa**

**isa kan Waaqayyooti maal gochuuf jirtu\*?**

**<sup>6</sup> Isaanoo yemmus badiisa duraa in adeemu;**

**biyyi Gibxii wallitti isaan in guurti, mandarii Memfiis awwala isaani in taati,**

**mi'a meetii isaani warra gati-jabeeyyii aramaan irra gargala,**

**godoo isaani keessattis qoratiin in biqila\*.**

**9:1 “In gammadin”** lakk kun ayyaana ulfina yeroo makarii argisiisa (lakk.5). Yeroon akkasi kun ayyaani kan kabajamuu fi kan waaqeffatamuu ayyaana ture (jinniin kan qalqabe). Yaahiwwee irraa kan fuudhaan ulfina hin taanee ayyaana gara boo'icha hawaalaatti jijjiiraniiru. Gichami kun (BDB 970, KB 1333, Qal JUSSAIVE bocaan utuu hin ta'iin hiikaan, Niddot maxaansa 1 fuula 856). “Gammadu”yookaan “Gammachuu” (7:3) jechudha. Israa'el akka waan biraa “hawaasa” (BDB 766) ta'aa jirti. Kun gocha waaqeffannaa baay'ee keessa isa tokko,

1. Gammaduu lakk.1
2. Gammachuu lakk.1
3. Aarsaa dhugaatiin lakk.4
4. Aarsa lakk.4
5. Waggaatti guyyaa ayyaana lakk.5

Haa ta'uu malee wanti guddaan lakk.1 B “Waaqa kee irraa adda baate ejjiteeta” kan jedhu ture, gammachuu utuuhin ta'iin boo'icha (Isa 22:12-14) kan ta'uf ture. Waaqeffannaa kan ilaalatee barumsa Yihudoota irra fudhachuu qabna. Yeroon waaqeffannaa isaanii gaarummaa Waaqayyooti fi sababa uumuu isaatii gammachuu guddaan yeroo itti godhamuu ture. Qabiyyee kana keessatti kaane yeroo ilaalu garuu Waaqayyoo sababa waaqenna waaqa tolfama isaani murtii eegaa waan jiraniif gammachuu gochuun isaani sirrii waan taaneef itti beeksiseera. Sooromii Kakuu Moofaaa keessatti (caalatti Kes) Waaqayyoo mallattoo eebba ture, haa ta'uu malee qinda'uuma seena kana keessatti haala dogogorsaa kan argisisee jecha gabaabaadha. Israa'el kan shaakalaati fi kiyyoo waaqenna waaqa tolfama keessa galteeti. Yaahiwween garuu dogogora ishee kana seera qabachisa (gocha wal fakkaatu Yihuda irratti godha fakkeenya Er 2, Hiz 23).

■ **“Akka ormoota”** kun haala rakkisa turee Yaahiwweedhaaf ta'aa kan turee waaqeffannaa Ba'aal warra Kana'aaniif godhaniiru.

■ **“Ejjiteetahooti”** kan warra Kana'aani waaqeffannaa waaqa tolfamaa barsiisoota shakaala turan. Maqaa Yaahiwweetiin foonii fi hafuuraan xuraa'ummaa (fakkeenyaas 1:2, 4:10, 13, 14, 15, 18[ala lama] 5:3, 9:1) gochaa turan.

■ **“Gatii ejja isheeti jaalatateetihooti”** jaalallee Israa'el (BDB 12, KB 17 Qal PERFECT) gara “gatii ejjaa” (BDB 1071,2:5, 12) in jal'ate. 8:10 keessatti tokkummaa biyyaa ala ibsuudhaaf jechii wal fakkaatan kun mul'ateera. Kun kallaattidhaan haa ta'uu fakkeenya addaa baasuudhaan baay'ee rakkisaadha.

■ **“Oobdii midhaani hundumaa irratti”** kun (BDB 175) miidhaanicha abaqii irraa bakka itti adda ba'u ture. Bakkichi bakka olka'aa irraa kan jiruu yemmuu ta'uu miidhanichi qilleensa irratti yeroo darbatamuu ulfina kan hin qabne abaqiin qilleensa irra tamsa'a, midhaan ulfina qabuu garuu tuullaa lafa irra jiruutti dabalama. Waaqeffannaan barsiisoota dhibayuun kara ittin jalqamee kan jiruu kun gocha kajeela hamaa kan godhamee bakka jalqabaa ture (fakkeenyaaf 4:11-14). Ta'us garuu deebiin Yaahiwwee lakk. 2, 11, 14, 16, keessatti hubadhaa.

**9:2** Burqaan barsiisoota Yaahiwwee malee Ba'aal hin ture (2:16).

**9:3 “Waaqayyoodhaan lafa irra in ta’aan”** biyyaatiin abdii (fakkeenyaaf, Lew 25:23, Er 2:7, 16:18, Hiz 36:5, 38:16, Iyyu’eel 1:6, akkasumas lafti hundumtuu kan Yaahiweweti fakkeenyaaf Bau9:29, 19:5). YaahiwweennUma15:16 keessatt lafa isaa Amooroota irraa akka qulqulleessu duran dursee dubbateera. Sabi Yaahiwwee akka Amoorota xura’ummaa wal fakkaata yoo godhan isaanis akkasuma in balleessa.(Lewoota 18:24-28) isaanis in godhan innis isaan irratti godhe.

■ **“Efream gara Gibxitti deebi’a”** 7:8, 11, 16,8:13 kan jiruu fi dubbifama kana 11:5 wajjiin yoo wal bira qabdan gidduu isaanitti walitti bu’uinsi waan jiruu fakkaata.Gibxiin mallatto garbummaa ta’uu dandeessi (jechuun, Asoor keessatti manni hidhaa) ta’us garuu beektiini murtaa’aan kana tokkummaa siyaasa godhani ilaalu. Hoshee, isa dhuma mooti Israa’el Soriyaa irratti gargarsa Gibxii gaafate ture.

■ **“Soriyaatis”** kun Dhaloota Kiristoos duraa 722 keessatti kufaati Samariyaa wajjin wal qabatee gosoota kaaba kurnan irratti ari’atama irra ga’ee kan argisiisuudha (8:9-10).

■ **“Waan xuraa’aa in nyaatuu”**ari’atamni shaakala waaqenna isaani akka dhaaban godha. Manni qulqullummaa Yihudoota hundee famuun isaa aadaan isaani eegame akka turuu godha. Haa ta’uu malee baay’een isaani aboomoti Lewoota hojii irraa kan jiruu mana qulqullummaa yoo ta’uu baate tokkoyyuu hajjechuudhaaf rakkisaadha (lakk.4-5). Hiz 4:13 akka argisiisuuti biyya ormaa irratti buddeni nyaatamu qulqulluu miti!

**9:4 “Waaqayyoodhaaf daadhiin wayni kenna qulqulluu in dhangalaafne”** wayiniin danfee seera aarsaaf qaama tokkoo waan ta’eef akka waynii badeeti akka hin lakka’amne yaadachuun barbaachisaadha (Bau 29:40, Lak 15:3-10, Fara 104:14-15). Lakk. 3-4 kan jiran aarsaan qulqulluu sababni inni in taaneef lafa ormaa irra waan jiraniif. Amos 6:6 macaafni qulqulluun alkoooliidhaan (kan wal nyaatee) fi dhugaati alkooolitiin (shakalaa hamaa fi akka malee fyyadamuu) irra kan jiru ilaalcha kan jedhuu mata duree addaa ilaala.

■ **“Buddeen gaddaa”** kun (BDB 536, CONSTRUCT 19) jecha dhokataa shagatuuti. Du’a wajjin wal qabatee waan dhi’aateef wanta faallamee ture. Baay’inaan hiyeesooni kan isaan nyaatan nyaata waan xiqqoo irra hojjeetameedha. Dabalataniis kan inni hojjeetuuf kan inni nyaatuu Asoor keessa waan tureef qulqulluu miti.

**9:5 “Guyyaa ayyaanaatii fi guyyaa ayyaana Waaqayyooti maal gootu”** kun isaaniin gara dhugaati deebisuuf gaaffii gaafatame ture. Waaqeffannaan isaani walumaa galaatti gargar cituu fi sabi isaaniis ari’amuudhaaf ture.

**9:6 “Gibxiinis walitti qabdi, Memfositti in haawalti”** Memfes (BDB 592) Gibxii warri gara gadii magaala gudditii fi walitti dhuufeenya qayyabbannaa teessuma akka barateen haawali irratti geggeefamaa kan ture baay’ee bakka guddaa ture (gochamii BDB 868, KB 1064, piel IMPERFECT). Hiiki isaa (1) Ari’atamaa irraa kan hafan baay’inaan mana hidhaa fi garbummaatti du’u (jechuun akkuma warra Gibxii) yookaan (2) Gara Gibxiitti kan baqatan hafiin achuma Gibxii keeasstti in du’uu.

■ **“Saamam mi’a bareedinaa birri in dhaala”** “mi’a bareedinaa birri” gaalee jedhuu kanaaf yaada gurguddaa lamaa jira (1) Waaqa tolfamaa fi sababa kanaan immoo bakka qulqulla’aa sirritti itti fayyadamuu dhiisuu (2)Baasii hundee hin qabneen kan hojjetaman mana isaanii fi baay’ee soreesa kan ta’ee hawaasa balleessuu ilaalata (8:14) yookaan (3) lakk.22 si Isa 7:23 sababa bakki qonnaa waynii isaani jecha dhokkataa ibsuu ta’uu danda’a.

■ **“Qoratiinis godoo isaani keessatti in biqila”** kun mana isaani duwwaaf ibsa jecha dhokataa yookaan immoo bakka waaqeffannaa isaaniitiif luqisii kan biraa ta’uu danda’a (10:8).

### **Hose’aa 9:7-9**

<sup>7</sup>Guyyoonni adabaa ga’aniiru, guyyootni itti gati ofi argatanis ga’aniiru;  
warri Israa’el kana beekuuf jiru; yakkii keessan gudda waan ta’eef,  
diinummaan keessaanis waan baay’ateef, “Raajichi qalbi dhabeera,  
namichi hafuuraan dubbatu marateera” jettaniittu\*.

<sup>8</sup> Namoonni Efream balbaluma godoo isaani duratti raajicha hin gaadu;  
Kiyoon warra simbira qabduu karaa isaa hundumaa dura,  
diinummaan mana Waaqayyo isaa keessa jira\*.

<sup>9</sup> Akkuma isa bara mandara Giibe’aatti ta’e, isaanis amala ofii isaani mancaaniiru;  
Waaqayyo yakka isaani in yaadata, cubbuu isaanis itti in ilaala\*.

**9:7 “Ji’a rakkinaa”** “ilaalamuu” (BDB 824 CONSTRUCT 398) jechudha. Kun jecha qopha dhaabatuudha haa ta’uu malee akka qabiyyee kanaatti (barreefama kana irra) akeeka murtiiti fi ilaalamuun godhamuu hiika jedhuu yeroo qaabatu murtichis immo amma (jechuun, “dhufeera” irra deebi’ameera).

■ **“Yeroon ijaa Bau dhufeera”** raajonni dhugaa dabarsuudhaaf kan mana murtii jecha dhokataa fayyadamu. Kun murtii seera argisiisa (BDB 1024, CONSTRUCT 398).kan balleesse yookaan kan in ballesee jechuu ta’uu danda’a. Sababa qabiyyee kanaan yeroo deemnu murtii Waaqayyo in hafne argisiisa.

■ **“Israa’elis in beekaa”** gochami kun (BDB 393, KB 390, Qal IMPERFECT) Jussive (abboommi) miira kanaan dhi’aateera. 8:2 keessatti Israa’el nan beeka jeteeti. Haa ta’uu malee ifati akka mul’atuuti Waaqayyon yookaan raajota ishee hin beektu turte.

■ **“Raajichis dadhabeera haafura kan qabu namni maraateera”** isaan wal cinaa deeman lamaan barreefamni walaloo hiikuun isaa rakkisaadha. Kun sabichi erga Hose’aa fi (Er 29:36 keessatti kan tuqamee jechii wal fakkaataan deebii kennamee fakkaata. Hose’aan kan durii kan gamaachisuu garuu raajoota (1 Samu’eel 10:6) wajjin wal qabsiisuu fi yaala akka turaani fi sababa kanaan immoo ergicha irraatii baacu akka ta’e kan ibsuu fakkaata. Sababa gadi fageenya cubbuu isaani sagalee Waaqayyoo keessuma itti ta’e ture (8:12).

David A. Hubbard, Hosea (Tyndale OT Commentaries) fuula 159 irratti waa’ee “nama haafuri isaa dadamaquu” jechuun waa’ee “nama haafuri irra jiru” ibsa nama hawatuu tetsiisera. Hose’aa “haafuura”kan jedhuu bifa alta’aadhaan waan ibseef innis kanaa miira alta’aadhaan akka dhi’aateetu dubbata (4:12, 19, 5:4).

■  
NASB “Baay’ina cubbuu kee irraan kan ka’ee”  
NKJV “Baay’ina cubbuu kee irraan kan ka’ee”  
NRSV “sababa baay’ina cubbuukeef”  
TEV “Cubbuun kee baay’ee baay’eedha”  
NJB “Irira daddarbi kee kan baay’ateedha”

Inni dhumaa lamaan lakk. 7barreefama walaloo sababa barreeffama ari’atama Israa’el dhufu yaada wali gala kan kennanidha. Waaqayyoon yookaan seera Waaqayyoo hin beekanihoo.

“Baay’ina” (BDB 913) jechuun, “nama baay’ee” yookaan “irraa hafuu” jechudha. 8:12 keessatti seerota Waaqayyo ibsuudhaaf tuqeera. Haa ta’uu malee as irratti baay’ina cubbuu Israa’e ibsuudhaaf kan fayyadameedha.

■  
NASB “Baay’ina diinummaa kee irraa kan ka’ee”  
NKJV “...kanaaf diinummaa kee baay’ee”  
NRSV “...dinummaan kee baay’eedha”  
TEV “Isin yaa namoota cubbuun keesan baay’ee waan ta’eef najibbita”  
NJB “Cubbuu keessan irra darbee dinummaan keessan baay’ate”

“Diina” (BDB 966) maqaan jedhuu Waaqayyodhaa fi tajaajiloota Waaqayyootiif diinummaa turee fi haaloo ibsa. Jechichii kan ibsamee Hose’aa 9:7 fi 8 keessatti qofa.

**9:8**  
NASB “Efreem Waaqa koo wajjiin ilaala turee amma garuu raajichi”  
NKJV, NJV “Ilaalan Efreem Waaqa koo wajjiin”  
NRSV “Raajichii karaa Efreem Waaqa koo wajjiin ilaalaa ture”  
TEV “Waaqayyo saba akkan of eegachiisuuf raajii godhee na ergeera”

Jechi Ibiroota baay’ee wal fakkaatadha yaad sadii qaba (1) Efreem bakka bu’a Waaqayyoti (Bau 19:5-6) akka ta’uu ture kan yaadame (2) Efreem raajii Waaqayyoo dhiphisaa turee yookaan (3) Efreem rajoota sobaa duuka bu’ee akka turee fillannoon argisiisan haalonni jiru. Hose’aan mata isaa akkamitti akka ilaalu yeroo ibsuu raajii, ilaala dhugaadhaaf aboomamaa nama kakuu jedheeti.

■ **“Karaa isaa hundumaa irratti kiyoo simbiraa ta’ee”** kan itti fufee jiruu barreefami walaloo lamaan Israa’el ergamoota miidhaa ergaa Waaqayyo morma akka taate kan ibsuu fakkaata. Sagalleen Waaqayyo kan barbaachisuuf gammachuun fudhachuun kan irra ture sabi Waaqayyo faalla jibaan guutameera.

■ **“Mana Waaqa Isa dinummaan jira”** kun kan murtaa’ee kan Yaahiwwee kan ta’ee bakka waaqeffanna (jechuun Bet’elii fi Daan argisiisuu danda’a). ta’us garuu wali gala lafa isaa ta’uu danda’a (8:1, 9:4,15).

9:9

NASB “Baay’ee xuraniiruu”  
NKJV “Mataa isaani baay’ee kan xureesanidha”  
NRSV “Mata isaani baay’ee xureesaniiru”  
TEV “Abdii kan hin qabne kan badaniidha”  
NJB “Mataa isaani baay’ee kan xureesanidha”

Walaloon barreefama kana gochama lamaan akka iti fufee jiruudha

1. Boollessuu- BDB 770, KB 847, *Hiphil* PERFECT
2. Xura’aa, badaa- BDB 1007, KB 1469, *Piel* PERFECT

Gochamni lamaan yaadii tokkoon akkasumas immoo gochamni inni jalqaba gochama kan ta’ee akka gochama tokkootti tajaajila.

Jechii bade jedhuu iddoo itti fufee jiruu irratti waaqeffacha kan turan namoota haala haafura ibsuuf tajaajila. (1) Bau 32:7, Kes 9:12, 32:5 keessatti Haroon kan hojjette warqee jabii; (2) Yeroobi’aam tokkoon jabboota warqee kan qaban Israa’eloota Hose’aa 9:9; (3) Isa 1:4, Er 6:28, Hiz 20:44, 23:11, Sefoniyaa 3:7 keessatti kan jiruu Yihudaa ; (4) Fara 14:1, 53:1 keessatti kan jiruu wali gala sanyii namaa.

■ **“Bara Gibiyaati”** lakk. 9 jalqabee amma 10 tti kan jiruu tarreefamaa seena xinno kan mul’atu qaba. Isaan magaalaa beekamooni fi isaan keessatti kan argaman waaqenna waaqa tolfamaa wajjiin kan wal qabataniidha. Gibiyaan 10:9 keessatti mul’ateera kanaafis fillannoon baay’een jiruu (1) Kun mana Sa’ool turee (2) kun Saa’ool jalqaba lafa itti cubbuu hajjeete ture(Samu’eel isa duraa 13:8-14) (3)kun Abbota firdii 19-20 keessatti kan jiruu ta’ii argisiisa yookaan (4) hiikaa ammayyaatiin seena sirri luqisa kan mirkana’ee miti.

■ **“Innis yakka isaani iin yaada”** Waaqayyo “yeroo yaadu” yeroo jedhuuf murtii argisiisa. Namni Waaqa waamuu irranfateera. Waaqayyo nama kakuu isaa akka yaada waama (7:2, 8:13, 13:12).

## Hose’aa 9:10-14

<sup>10</sup> Waaqayyo “Akka nama lafa duwwaa keessatti ija waynii argateetti, aani Israa’elin nan argadhe; abboota keessanis akka ija mukti harbuu jalqaba godhate, isa dura bilchaateetti nan ilaale; isaan garuu gara Ba’aal isa Phe’or dhufan, Waaqayyo tolfamaa isa yeellasisaa ta’an\*.

<sup>11</sup>Ulfinni Efreem akka simbiroo duraa balali’een in sokka, mucaa godhachuun, waa garaatti hafuun, ulfaa’uunis hin jiru.

<sup>12</sup> isaan ijoollee yoo guddifatan iyyuu, tokkoo illee utuu hin hafiin isaan dhabsiisa; yeroo ani isaan irraa gargar ba’utti isaaniif wayyoo!

<sup>13</sup>Akkuman argee Efreem akka muka meexxii iddoo lalisaa keessa dhaabatuu ture; amma garuu ilmaan isaa warra qalutti geessuun irra jira jedhe.

<sup>14</sup>Yaa Waaqayyo, ati isaaniif kenni! Garuu maal kennitaaf laata? Gadameessa ulfi irraa ba’u, harma gogaas isaaniif kenni!

9:10 **“Israa’el lafa akka wayni lafa onaa ta’e jiruun argee....akka angafa arbuu ta’ee”** Yaahiwween dhaloota Abirahaam irratti ija qabootaa fi dandeeti argeera. Kun yeroo naanna’uu lafa onaa Waaqayyo Yihudoota wajjin kan inni godhe wali galte gaa’ilaa fi yeroo misirummaa kan jedhuu tarreefmni yaad fakkeenya biraadha (2:14-19, Kesi 32:10). Kun Waaqayyo abirahaam yookiis abboota amantii wajjiin utuu hin ta’iin Bau irraa (Musee) irraa jalqabee Israa’eliin fillachuu isaa inni kan ibsu tarreeffama.

■ **“Bi’elfeegoor”** kun Israa’el waaqeffannaa barsiisoota keessatti dubartii Mo’aabi wajjin ejjituu kan goote biyya Mo’aabitti (BDB 128) irratti kan argamuu bakka Saaxiin jedhamuu ilaalata. Kun mootiin Mo’aab Israa’eeliin akkamitti mo’uu akka qabuu Bala’aam kan gorse gorsa Lak 25-1-9. Kun tarii 5:2 keessatti kan tuqamee yemmuu ta’uu jecha wal fakkaata lakk.9 keessatti xuqameera bakki kun kan hameenyaatii fi waaqeffannaa waaqa tolfamaatiin bakka beekame ta’ee ture. (Fakkeenyaaf Kes 4:3-4, Iya 22:17, Fara 106:28 ).

■ **“Yeelloof kan adda ba’an”** gochami kun (BDB 634, KB 684 Niphil IMPERFECT) “kaka” yookaan “kakuu galuu” jechudha. Israa’eel Siinaatti (Bau 19-20) Waaqayyoodhaaf akka gootan adda Bau hundumaa Saaxiin irratti Ba’aalii fi adda Baun yeroo itti hin fudhane ture.

“Yeelloo” waaqeffannaa waaqa tolfamaa kan bakka bu’uu jecha baratameedha (BDB 103). Raajoonni sagalicha akka Ba’aal maqaa biraa godhani itti fayyadamuu turan. Israa’el Yaahiwweedhaaf adda Bau dhaabde (Bau 19-20) Ba’aal duuka buutee turte, yeroon misirumaas darbeera. Jechichi ammas waaqeffannaa waaqa tolfamaa kan argisiisuu “xura’ummaa” (BDB 1055) wajjin wal cinna (Kesi 29:17, 2 Mootootaa 23:13, 24, Isa 66:3, Er 4:1, 7:30, 32:34, Hiz 5:11, 7:20, 11:18, 21, 20:7, 8, 30, 32:23).

**9:11 “Kan Efreemis”** maqaan kun “ija qabeessa jechudha. Kan kaaba gosa kurnaan Israa’el keessatti gosa guddaa waan turaniif maqaa kana hin fayyadamu tura. “Ija qabeessa” kan turee ija malee in ta’a! Kakicha eeguu dhiisuu irraan kan ka’ee kakuun Waaqayyoo hafeera (Kes 27-29).

■ **“Ulfinni akka Simbiroo barrissee in badaa”** ulfinni isaani kan turee kan isaan qaban firooma kakuu argisiisa (Ba’u 19:5-6, Amos 3:2). Hose’aa simbiroo miira adda addaatiin in fayyadama.

1. Israa’el gugee dadhabaa fakkaati (firooma siyaas) 7:11
2. Israa’eel gugee holl’atu fakkaati (naatuu, kan deebi’an) 11:11
3. Allaattii rummicha/ joobira
4. Gurmuu simbiroo (murtii) 5:1, 7:12
5. Simbira badee 9:11

■ **“Dhaluudhaaf ulfaa’uu garaati hafuufi ulfaa’uun in ta’uuf”** deebi’uun yeroo ibsamuu Ba’aal burqaa wal horuutti jedhani yaaduu turan, haa ta’uu malee inni sirri horuun kan dhufuu Yaahiwwee irraa ture kanaafiis horuu hundumaa Waaqayyoo kan dhaabuu ta’a (lakk 14:16).

**9:12 “Yeroon isaanirraa faggaadhuutti isaaniif wayyoo”** Waaqayyoo Hiz 10:18 irratti Yihuda akka dhiise hundumaa isaaninis kan dhiisuu ta’a. Baay’ee sodachiisadhaa, murtii guddaadha (4:17 fi Rom 123, 26, 28). Kun raajootan kan ibsamee jecha dhokata biraadhaaf amala kan qabu boo’ichaa hawaalatiif fakkeenya.

**9:13 “Boojuuf kennamaniiru”** dubbisa kana kan ilaalatee yaadi baay’een jiruu (Hubarid, Hose’aa fuula 166 irratti ilaala). (1) Kan Xiirros luqisii barsiisoota waaqa tolfamaa (Hiz 27:28) (2) Xiirros maddaa waaqeffannaa Ba’aal ta’uun isaa ilaleera (Mootota isa dura 18:31) yookaan (3) Efreem akkummaa Xiirros lafa irratti tamsa’eera.

■ **“Efreem ijoollee isaa gara warra ajjessaniitti gadi baase”** kun (1) Mooliikiif kan godhamuu aarsaa ijoolleetti (Leewoota 18:21, 20:2-5, 2 Mootoota 23:10, Er 32:35) yookaan (2) Ba’aaliif kan godhamuu bu’aa amantii sobaa sanyii namaatiin barsiisoota irratti murtii Yaahiwwee in ta’a (lakk 11, 12, 14, 16) kan jedhanwaan argisiisu fakkaata.

**9:14 “Baasuu”** (BDB 678, KB 733) gochamii jedhuu lakk, kana keessatti bfa bukkee qabaadhaan yeroo sadii erguudhaan.

1. *Qal* IMPERATIVE - kenni
2. *Qal* IMPERFECT- maal laata?
3. *Qal* IMPERATIVE- kenneef.....!

Kun raajichii Hose’aa akka fuutuuf akka laatuuf gara Yaahiwweetti waan kadhatuu fakkaata (jechuun, barsiisooti in jiraatan adabi isaa cubbuu isaa wajjiin kan adeemuudha, kan barsiisoota waaqeffannaan waaqa tolfamaa). Nidoot, maxansa 4 fuula 47 irratti barrefama kana kan ilaalate yaada nama hawatuu qaba. Bareessaan Robeert B.Chishooliim Yaaqoob irraa gara Yooseef eebba deeme irratti barsiisoota bakka bu’ee kan ture “harmaa fi ulfa” Goochimni jedhu u as keessatti waaqa tolfamaa barsiisoota kan barbaaduu Israa’eel adaba haa ta’uudhaaf akka isheen wali hin horee akka ta’uu yaadame akka dhi’aate dubbata.

## **Hose’aa 9:15-17**

<sup>15</sup> Waaqayyo, “Jal’inni isaanii hundinuu Gilgalitti argame, ani achiti isaan jibbuutti nan ka’e; ani sababii hojii isaanii isa jal’aadhaaf mana koo keessaa oofee isaan nan baasa; ani deebi’ee isaan hin jaalladhu, gurguddoonni isaanii hundinuu mormituu dha.

<sup>16</sup> Ijoolleen Efreem rukutamaniiru, isaan akka muka hiddi isaa gogee ta’aniiru;

isaan sanyii hin godhatan, utuu isaan ijoollee godhatanii iyyuu ani ijoollee

isaanii warra jaalallee garaa isanii isaan duraa nan ajeesa” jedhe.

<sup>17</sup> Sababii isaan gara Waaqayyo koo dhaggeeffachuu didaniif, inni isaan in gata; isaanis saba warra kan keessaa in jooru\*.

**9:15 “Hameenyi isaani hundumaa Gilgeelaa jira”** “dhagaa geengoo” jechudha. Kun (1) Laga Joordaan kan fudhataman dhagaa yaadannoo Iya bakkati hojetama (2) akkasumas bakka Saa’ol itti dibbamee (1 Samu’eel 11:14-15) Hose’aan bittaa mooti waan balaleefatuu fakkaata (7:3-7, 8:4, 10, 13, 13:9-11) (3) Saa’ol bakka itti cubbuu hojjete (1 Samu’eel 13:1-14) fi (4) Kaabatti waaqeffannaa Waaqayyolli barsiisoota bakka itti godhama turee argisiisuu danda’a.

■ **“Achi jibeera”** kun (“jibbuu” BDB 971, KB 1339, Qa PERFECT) Yaahiwwen deebii inni cbbuuf kennuu kan ibsuu jecha cimaadha (fakkeenyaaf Kesi 12:31, Isa 63:1-6, Er 12:8, mAmos 5:21,6:8).

■ **“Mana kooti isiiniin ari’aa ... kana booda isiin hin jaalladhu”** murtii baay’ee nama gadisiisuu! Kakuun isaa cabeera. Isaraa’el amanamuu dhabuu isheen Waaqayyoo ga’iilicha diigeera. Mana Waaqayyootti ari’amte (j echuun biyyaatti abdii irraa). Kun kana booda isiin hin jaalladhuu kan jedhuu goochmni dhummaa kan nitti fufuu tokkumma gaaleewwaan lamaati.

1. “Deebi’ee hojjeechuu dhiisuu yookaan “caala gochuu” (BDB 414, KB 418, akkaata gosa *Hiphil JUSSIVE*).
2. “Jaalala” (BDB 12, KB 17, *Qal INFINITIVE CONSTRUCT*).

Yaahiwwen Israa’eli wajjiin dhimmaa qabuu fixeera! “Geggeesitooni isaani hundumtuu hamoota” geggeesitoota isaanii bakka bu’oota Waaqayyoo akka ta’an turee kan yaadamee haa ta’uu malee isaan hamoota turan

**9:17 “Waaqi koo isaan gata”** Hose’aan Yaahiwwen “Waaqa koo” jedhee akka inni waamuu hubadhuu. Kunnis Waaqayyoo kana boodee kan Israa’el Waaqi kakuu akka hin taane kan argisiisuudha (Kes 31:16-18). Kan gochamicha (BDB 549, KB 540, Qal Imperfecr) hiikaa “gatu”, tufachuu yookaan “balleessuu” ta’uu danda’a Haose’aa keessatti 4:6)) fi as irratti ergeera. Seera Waaqayyoo “gateera” (8:12, Isa 5:24, 30:9, 12, Er 6:19, 8:9, Hiz 5:6, 20:16, Amos 2:4) innis isaan gateera (Er 33:24).

■ **“In dhageenyee hooti”** ari’atamicha kan fidee jabina warra Asoorii fi Babiloon utuu hin taanee cubbuu Israa’el ture. Waaqi tolfamaan Mesopotamiyaa Yaahiwwen irraa kan caaluu jabaa hin ture. Yaahiwwen saba isaa seerachuudhaaf itti fayyadame (fakkeenyaaf Isa 10:5, 44:28-45:7).

■ **“Ormoota giddutti joorra ta’uu”** kun Kes 27-29 kan jiruu abarsii kakuu kan itti raawatameedha (Kes 28-58-68).

# HOSE'AA 10

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Cubbuu Israa'eeleef boojii	Sababaa Fincila Israa'eel Waaqayyo Irrattiitiif Kan Ka'e Firdii Waaqayyoo Israa'eel Irratti (4:1-14:9)	Raajichii waa'ee Israa'eel dubbata (9:17-10:2)	Meeshaalee waaqeffannaa Israa'eel iddoodhaa fuudhamuu
10:1-2	10:1-2		10:1-10
10:3-8	10:3-10	10:3-4 10:5-8 Gooftaan Israa'eel Irratti firdii labse	
10:9-11		10:9-10 10:11-13	Israa'eel abdii Yaahiwwaatti gaddite 10:11-15
10:12-15	10:13-15	10:13-15	

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABBANNA JECHAA FI GALEE

#### Hose'aa 10:1-2

<sup>1</sup> Warri Israa'eliis akka muka waynii of jaallatee ija baay'ee naqatuu ti;  
hammuma iji hojii isaani baay'ate iddoo aarsaas in baay'san;  
akkuma biyya isaanitti fooyya'e.

Utuboota dhagaa warra qulqullaa'ootti iaalaman in fofooyyeessan\*.

2 Garaan isani walaallammii dha, amma isa yakkaniif adaba fudhachuun isaaniif in ta'a;

3 Waaqayyo iddoo aarsaa isaanii in caccabsa, utuboota dhagaa isaan dhaabbatanis in balleessa.

10:1

NASB ,NRSV

NJB

NKJV

“Israa'el ejji isaa kan baay'ateef wayni lalisaa dha”

“Israa'el waynicha duwwaa hin godha”

TEV

**“Sabni Isra’eel iji kan baay’ateef waynii fakkaata ture”**

“Kan lalise” (BDB 1321, Qal ACTIVE PARTICIPLE) as keessa qofatti argama. Macaafa Qulqulluu Saptuwajeentii “dameen isaa kan nama gammachiisu wayni kan jedhu qaba. Kun 9:10 (Far 80:8-13) kan argisiisuu fakkaata. Waaqayyo Israa’eliin Waaqayyo Israa’elin ija qabeessa godheera. (Hiikii kun tokko ta’uu danda’a). Maa ta’uu malee Yaahiwwen haggaa isaan eebbise isaan immoo Ba’aaliin duukaa bu’uu (11:1). Akkam nama ajaa’iba! Wayniin yeroo baay’ee fakkeenya Israa’elitti (fakkeenyaaf Kes 32:32, Fara 80:8-19, Isa 5:1-7, Er 2:21, Hiz 15:1-8). Gochamichi “duwwaa” kan jedhuun fudhachuun in danda’ama. (BDB 1321) kanaafis Israa’el Waaqayyo kan barbaadu ija kan in godhane waynidha (9:10-17).

■ **“Iji isaa kan baay’ateefi dha”** hafiin kuta lakk. kana 8:11 kan argisiisuudha (BDB 915) yookaan 12:11 (Er 2:28, 11:13).



NASB  
NKJV  
NRSV  
TEV  
NJB  
NET

**“Siidoota bareechanni hojjetaniiru”**  
**“Sidoota qulqulla’an olol qabu”**  
**“Sidoota foyyesan”**  
**“kan waqeffatan sidaawwaan barrechani hojjetan”**  
**“Kan wayyuuf kan qulqulla’ee siidawwaan hojjetan”**  
**“ Bible siidawwaan ija qaboota barreechan”**

Soroomi laphee isaani gara Waaqayyotti hin deebine.(yaadani akka ture Kes 27-29) haa ta’uu malee waaqeffannaa isaaniitiifi galata isaani Ba’aalif dabalana. Bakka waaqeffanna isaani sirreesuudhani mana Qulqullummaa Yaahiwwee tufatan.

**10:2 “Laphee”** ilaalchi Ibiroota giddu galeessa fedhaatii fi samuu kan ta’ee lapheedha malee miira miti.

**MATA DUREE ADDAA: ONNEE (GARAA)**

Jechi Giriikii kardia jedhu septu'ajentii fi Kakuu Haaraa keessatti jecha Ibrootaa *lēb* jedhu agarsiisuuf oola. Haala baayyeen faayidaa kenna (Bau'eer, Arnideet, Gingeriichii fi Danker, *A Greek-English Lexicon*, ful. 403-404 keessa dubbisaa)

1. gidduu gala qaamaa, dubbii dalgaa namaa (HoE. 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaaq. 5:5).
2. Wiirtuu jireenya afuuraa (haamilee)
  - a. Waaqayyo garaa beeka (Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
  - b. jireenya afuuraa sanyii namaa oole (Matt. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22).
3. wiirtuu jireenya yaadaa (S.S hayyuu, Matt. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; rom. 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7, garaa fi sammuumn almoggooyina 2Qor. 3:14-15 fi Fili. 4:7).
4. wiirtuu fedhaa (S.S fedhii HoE. 5:1; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:75).
5. wiirtuu ol miiramaa (Matt. 5:28; HoE. 2:26,37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efs. 6:22; fil.1:7).
6. iddoo addaa sochii afuuraaf (Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 (S.S Kiristoos onnee keenya keessaa, Efs.3:17) 7).
7. onneen dubbi dalgaa namoomaati. (Matt. 22:37, waraabbii Deeb. 6:5) yaadni, kaka'umsi fi gochi onneef kenname hundi eenyummaa namoomaa kan agarsiisuudha. Kakuu Moofaa itti fayyadama jechoota rifachisaan ni qaba.
  - a. Uma. 6:6; 8:21 “Waaqayyo garaasaatti ni gadde”
  - b. Deebii 4:29; 6:5 “garaa kee fi lubbuu kee guutudhaan”
  - c. Deebii 10:16 “garaa keessan isa haguugame” fi Rom. 2:29
  - d. Hizqi'eel 18:31-32 “garaa haarawaa”
  - e. Hizqi'eel 36:26 “garaa haarawaa” fi “garaa dhaggaa”



NASB  
NKJV, NJB

**“Amantii kan hin qabne”**  
**“Gargar qoodame”**



Jechii Ibiroota (BDB 325 II, KB 322, Qal PERFECT) “kan mucucaatu” ejjennoo amansiisa hin taane fakkeenya, kanaafis kan in amanamne jedhamee hiikama. (Inni haaraan hiiki Barkiley (new Berkeley version) “lapheen isaani kan mucucaatu ture”). Kakuu Moofaa keessatti gochami kun laphee kan jedhuun kan fayyaddamuu as qofatti. Yeroo baayee araba ilaalata. kun amantii dhabina argisiisuu danda’a. (1)Guyyaa ayyaanatti yookaan Waaqayyo yookaan immoo (2) Waaqa Israa’elitti amanachuu yookaan immoo Gibxii irraa/Asoori wajjiin kan qaban garee siyaasa fakkeenya faalla ejjennoo dhugaa Kakuu Moofaaad dhaaf burqa jecha amantiiti (BDB 52-54).

It is possible to take verb as gochamichi “in qoodamee” (BDB324) jechuun fudhachuun in danda’ama. Jechuun laphee Yaahiweedhaa fi Ba’aal giddu gargar qoodame ture, haa ta’uu malee, jechi kun baay’inaan fayyadama irra kan oole yeroo keessatti malee raajoota miti.

■ **“Irra daddarbaa isaani in baatatu”** 4:15, 5:15, 13:1, 16, Mikiyaas 5:10-15).

■ **“Iddoo aarsaa isaanii....siidaa isaani”** akeeki Waaqeffannaa kanaa yeroo bay’ee shakaala ejja Ba’aal wajjin kan wal qabateedha (Siidaa dhagaa dhaabaan, jechuun, Phallic symbol 3:4 mootota isadura 14:23-24) akkasumas Asheera (Raised, cut stone alter with a place for a curved stake live tree).

### **Hose’aa 10:3-10**

<sup>3</sup> Amma isaan, “Nuyi sababii Waaqayyoon hin sodanneef mootii dhabne; silaas immoo mootichi maal nuuf gochuu danda’a ree?” in jedhu.

<sup>4</sup> Isaan afaanummaaf dubbatu, sobanii in kakatu, kakaadhaanis walii galu; firidiin isaan kennanis akkuma aramaa hadhaa of keessaa qabuu isa bo’oo qotisaa irratti biqiluu ti.

<sup>5</sup> Warri mandara Samariyaa jiraatan dibicha Bet-Aweeniif in sodaatu namoonni ishee isaaf in boo’u; ulfinni Waaqayyo tolfamaa sanaa waan duraa fudhatameef, luboonni isaa isaaf in wawwaatu\*.

<sup>6</sup> Dibichichi mooticha guddaa sanaaf galchii ta’ebiyya Asoritti in geeffama; yeelloon Efreem irra in ga’a. Israa’elis mareen inni dur mari’ate waan kufeef in yeella’a\*.

<sup>7</sup> Samariyaan in balleeffama, mootiin ishees akka felleencoo bishaan gubbaa bu’ee in ta’a.

<sup>8</sup> Iddoowwaan oljedhoon warri Bet-Aween irrattis argamaa fi baalaanwaraanteen in biqilu; yommus namoonni tullootaan, “Nu awwaalaa!” gaarootanis, “Nu irratti jigaa!” in jedhu\*.

<sup>9</sup> Waaqayyo, “Yaa namoota Israa’el, erga bara mandara Giibe’aatti cubbuu hojjeettanii amma iyyuu cubbutti qabamtanii jirtu; egaa lolli warri jal’aa hojjetanitti dhufu, isinis immoo Giibe’aatti hin argatuu ree\*?”

<sup>10</sup> Ani fedha kootiin isin nan adaba; isa gar lamaan yakkitaniif yeroo adabamtanitti sabni lafa irraa isin irratti akka sassaabaman nan godha\*.

**10:3 “Mootii hin qabnu”** kun tarii 1 Samu’eel 8:4-9 calaqisiisuu danda’a. Yeroo baay’ee Hose’aan mootota kaabatti in dubbata turee (7:3-7, 8:4, 10, 13, 13:9-11). Jalqabi mootummaa (Yerobi’aam I) itti fufuu hin dandeenye. Geggeessu irratti jijjirami baay’een turaaniiru (jechuu, mootota).

**10:4 “Jecha waa’ee hin baafne dubbatu, kakuu yeroo galan sobaan kakatu”** this is a COGNATE ACCUSATIVE, hiika kan hin qabne oduu ilma nama akka odeessan in xiyaafata (BDB 150, KB 210 piel PERFECT) (Isa 58:13) kun Yaahiweedhaaf kakuu isaan qaban (Bau 19-20) humna alaa kakuu isaan qabani wajjin walin madaala. Kakuun Israa’el in amanamuu. Guutummaati fedhii dhuunfa irratti kan hundaa’edha. Sararii lamaan walaloochaa lamaan isa jalqabaa kan ta’ee mudaa kan hin qabne qaba. Ijaarsi kun gara sarara jalqabaatti gochama utuu hin taane gara sarara lamaatti xiyyaafannoo hawwata.

■ **“Marga summii qonna keessatti raammoo irratti akka biqillu dha’ichii isin irratti biqila”** kun tarii kan Abboota firdii murtii qajeela kan argisiisuu ta’uu danda’a (Amos 2:6, 5:12, 6:12).

**10:5 “Samariyaa”** gubee gaaraa bakka ol ka’aa Saamir irratti ijaarame (Mootootaa isa dura 16:24) gudditti Israa’el taate Dhalootaa Kiriistoos dura 922 boodde mootumichii lamatti yeroo hirame kan kaaba gosii kurnaan Israa’el, Efreem yookaan Samaruyaa Yeroobi’aam I kan geggeefamee akkasumas mucaa Solomoon kan ta’e Re’oobi’aamin kan geggeefamuu gosooti lamaan Yihudaa jedhamuu.

<b>NASB</b>	<b>“in sodaatuu”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“Sodaa”</b>
<b>NRSV,NJB</b>	<b>“In raafamuu”</b>
<b>TEV</b>	<b>“Sodaata ta’uu”</b>
<b>NET Bible</b>	<b>“In bo’uu”</b>

Gochamnii Ibiroota (BDB 158, KB 185, Qal IMPERFECT) “naasuu” jechuudha. Gochami kun “ulfina adda ta’es” ta’uu danda’a (jechhun waaqeffanna) yookaan “sodaa” (jechuun fudhatamuu, lakk.5-6). Beektootni Macaafa Qulqulluu baay’een “bo’uu” (BDB 626) kan jedhuu wal fakkaachuu isaa ka’uumisa godhatanii in yaadu.

■ **“Waa’ee Betaween in boosa”** kun Yeroobi’aam I Beet’elin kan dhaabee warqee jabbii waaqa tolfama argiisaa (4:15, 5:8, Mootota isa dura 16:28-29). Warqeen jabbii (Bet’elii fi Daani) waaqa tolfamaa jechuu miti, haa ta’uu malee Yaahiwwee bakka bu’uu (Bau 32:4-5). Betaween kan jedhuu jechii (BDB 110), “mana waaqummaa” kan jedhutti kan hiikamee Bet’elitti kan itti fayyadamaniidha (“mana Waaqayyo”). Waaqeffannaa waaqa tolfamaa wajjiin kan walitti dhufuu Yihudootni fakkeenya maqaa isaa balleessuutiin (bakka waaqa tolfamaa yookaan iddoo).

<b>NASB, NRSV</b>	<b>“Kan waaqa tolfamaa luboota”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“Luboota isaa”</b>
<b>TEV</b>	<b>“waaqa tolfamaa kan tajaajilan luboota”</b>
<b>NJB</b>	<b>“kan waaqa tolfamaa luboota”</b>

Kun Daanii fi Bet’elitti bakkoota beekamaa luboota Ba’aal kan jedhaman kan ilaalatuudha (Mootota isa 2 23:5, Sefooniyaa 1:4). Isaan kun dubbifamaIsraa’eel *kmr* hiikoota baay’ee qaba.

1. Gubuu (guraacha ta’uu) BDB I
2. Guraacha ta’uu (from Syriac) BDB II
3. Garaan ciisuu BDB III
4. Kiyoo yookiis shaatee

Isan dubbifamni kun Kana’aaniifi Akadiyaa keessatti luboota argamanii fi jecha baratameedha. Isaan lubooti kibbaa Hose’aadhaan akka luboota alaatti ilaalamu turan.

<b>“NASB</b>	<b>“in bo’uu”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“In iyyuu”</b>
<b>NRSV</b>	<b>“IN gaduu”</b>
<b>NRSV (foot note)</b>	<b>“Olol qabuu” (Ibiroota)</b>
<b>TEV</b>	<b>“In bo’uu”</b>
<b>NJB</b>	<b>“Ulfina isa jajuu”</b>

MT “Gammadi” kan jedhu qaba (BDB 162, KB 189, Qal IMPERFECT), haa ta’uu malee jechaa bukkee qabaatiif fayyadama irra kan oole ta’a.

■ **“Ulfinni isaa”** jechi kun (BDB 458 II) yeroo baay’ee Yaahiwweedhaaf fayyadama irra ooleera (Samuu’eel isa duraa 4:21-22). Isaan kun garuu Yaahiwwee bakka bu’a kan jedhamee waaqa tolafamaa jabbii miira bukkee qabaatiin fayyadama irra ooler. Ta’uus garuu, Ba’aaliif bakka bu’uu erga jalqabee tureera.

**10:6 “Mootii Iyaariin”** kun Telgel-Tel-Faasoor III kan argisiisu ta’a. kallattidhaan “mooti guddaa” fakkeenya jedhuu kallattidhaan “mooti dhaabuu” jechudha (BDb 937, 5:13).

■ **“Israa’elis gorsichaati in qanaa’a”** gochamichii (BDB 202, KB 116, Qal IMPERFECT) 2:5 fi 4:19 keessatti fayyadama irra ooleera. Waaqa tolfamaa waaqesuun isaan qanneesa.

Mareen sobaa isaani (BDB 420) duraan dursee 7:12 keessatti tuqamee ture (Er 7:24). “Gorsa” kan yaadaman fillanoon baay’een jiru.

1. Aboomamuu dhiisuu isaa
2. Kan waaqa tolfamaa mukaa (10:5)

NASB, NKJV, NRSV, TEV, fi NJB “muka waaqa tolfamaa” kan jedhuu qabu.

**10:7 “Saamariyaan mootii ishee wajjin badeeti”** gochamichii (BDB 198, KB 225, Niphaal PERFECT) balleessu, diiguu jechuudha (lakk.8).

Of tuullumaa Yerobi’aam irraa kan ka’ee Yaahiwwen mootii kaaba gadi dhiiseera, ta’us garuu jabbii warqee dhaabuudhaan fuula isaatti hamaa hojjetani tura. Amma waggaa isaatti isaan balleessa (13:11).



NASB	“Bishaan irra akka oomacha jiruu”
NKJV	“Bishaan irra akka dame mukaa jiruu?”
NRSV, TEV	“Bishaan irra akka soloqee mukaa jiru”
NJB	“Bishaan irra akka abaqii hoofamuu”

Ibirichi baay’ee cimaadha. Soloqeen mukaa argisiisuu danda’a (BDB 893 II Iyyu’eel 1:7) “omacha” (Vulgate)

**10:8 “Kan Aween bakka ol ka’aa”** kana jechuun “Baadonaat” yookaan “tokkoollee” BDB 19. Jechii kun yeroo baay’ee Yihudoota biratti waaqeffannaa waaqa tolfamaa wajjin walitti dhuufeenya kan qaban maqaa namaa yookaan maqaa iddoo balleessuudhaaf fayyadama.

“Bakkeewwaan ol ka’aa” argisiisuu kan danda’aan (1)Gubee gaara (jechuun lafa haruu( yookaan (2) Yaadannoo Ba’aal bocamee kan dhaabatee kan siidaa aarsaa (4:13).

▣ **“Qoraatii fi baalanwarantee iddoo aarsaa isaani irratti in biqila”** kun tarii kan abarsa argisiisu ta’uu danda’a (Uumama 3:18) yookaan mallattoo bu’aa kan hin qabe ta’uu (9:6).

▣ **“Garootaf qadaada isaa, bakka olka’aas nurratti jigaa jedhu”** gochamii jalqabaa (BDB 491,KB 487 ajajaa piel IMPERFECTIVE).

Gochamii lamaan (BDB 656, KB 709) jecha ajajaati/ Qal IMPARATIVE. Kun murtii Waaqayyotiif Luk 23:30 fi Mul’ata 6 :16 irratti fayyadama irra ooleera. Tarii waaqeffanna Ba’aaliin “garoota irratti” fi “bakka ol ka’aa” gidduutti walitti dhuufenya Macaafa Qulqulluu qabachuu danda’a.

**10:9 “Bara Gibi’aati jalqabdee cubbuu hojjeeteeta”** kun moototaan kan mormuu hima ta’uu danda’a. Sababii isaa magaala Sa’ooli fi yeroo jalqabaatiif Waaqayyoo irratti bakka itti cubbuu hojjeetedha (Samuu’el isa duraa 13:8-14). Mootota 19-21 irratti kan bareefames ibsa cubbuti.

▣ **“Yeroon iyyameeti”** Goochimni kun gochama in qabu (BDB 16). Karaa ittiin fedha Waaqayyoo ibsuu fakkaata (jechuun murtii). Lamata irratti kan barreefamee Hose’aa fakkeenya miira kan ta’e Waaqayyoon ibsa. (Antropomorphic)

1. Bineensa bosonaa 5:14, 13:7, 8
2. Jibba 9:15
3. Murtii kennuudhaaf dheebuu cimaa 10:10
4. Dheekamsa 11:9, 13:11

Waaqayyoon ibsuudhaaf qooqi ilma namaa yeroo baay’ee jecha dhokkataadhaaf fakkeenya. Ilmi namaa cubbaamaadhaaf kan yerooti. Lafa kana ratti in murti godha. Kan keenyaa galmeen jechootaa dandeeitiin sammuu keenya kan bara bara qulqullu fi eenyumma kan qabuu ibsuuf hin danda’u!

▣ **“Isaanan ifadha”** gochamichii guutumaati (BDB 415, KB 418, Qal IMPERFECT) walgargaaruun “in barsiisuu” “nan haaresa” (namuusan) jechuu dha. Kakuu cabsuu irraan kan ka’ee wal gargaaruu argisiisa (jechuun murtii).

▣ **“Ormootni isiin irratti wal ga’uu”** Waaqayyoo walitti qaba (BDB 62, KB 74 Pual PERFECT) ormoota (BDB 766) Ormoota irratti akka murteessaniif.

■ **“Waa’ee lamaan isaaniis cubbuu isaani”** kun akkuma jiruutti “lamanuu cubbuu isaanitti” “lamanuu cubbuu isaani” Goochimni jedhu u kan dhufee Sabtuwajeenti irraati, Peshitta (Peshitta) fi Vulgate irraati. Argisiisuu kan danda’uu (1) naannoo maqaa Efreemiin naanna’a (“dacha ijaa qabeessa”) (2) Ba’aal duuka bu’uu fi Yaahiwwee irrnfachuun lachuu cubbuudha (Er 2:13) yookaan (3) Bet’eli fi Daanitii kan dhabaatan jabbii warqee.

### **Hose’aa 10:11-15**

**13:10-11** kun Hose’aan waa’ee mootii moototaa kan turee ilaalcha alta’aa wajjin kan wal fakkaatuu ibsa kan biraa fakkaata (7:3-7, 8:4, 10:13, 10:3), ta’us garuu Kes 28 irrattis in callaqisiisa (lakk 36:52). Sarara 11 A “dheekamsa kootiin mootii si kenneen ture”<sup>2</sup> Samu’eel 8:4-9 in callaqisiisa. Sarari itti fufee 11 B kudhaniin booji’ amuu bakka bu’a (2 mootota 17:1-6).

**13:10** “Abbooti firdii garam jiru” MT “mootii ta’uu in barbaadu” kan durii hikoonii garuu (Girikii, kan Soriyaa fi Valgeet) akka NASB akka dubbifamu in sirreessa.

## Hose'aa 13:12-14

<sup>12</sup> “Yakki Efreem walitti hidhamee jira, cubbuun Isa iddoo tokko kaa’ameera;

<sup>13</sup> Akka dubartii da’uuf jettuu ciniinsuun isa irra ga’e;

inni immoo ilma ogeessa miti; yeroo ta’utti gadameessa keessaa as hin mul’anne.

<sup>14</sup> Ani qabaa iddoo lafa jalaa keessaa isaan gad dhiisisii ree?

Yaa du’aa, dha’chi kee meerre ree?

Yaa iddoo lafa jalaa ilkeen kee meerre ree? Oo’a argisiisuun ija koo duraa fagaateera\*

**13:12** “Hidhameera” gochamichi (BDB 864, KB 1058, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE) irraa daddarbaan jiraachuu argisiisa.

■ “Cubbuun Isa walittii qabameera” gochamichi (BDB 860, KB 1049, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE) “utuu hin irraanfatiin” yookaan “gargar qoqodaamu” fakkeenya dha (7:2, 8:13, 9:9).

**13:13** Fakkeenya kun (“ciniinsuu yeroo da’umsaa” BDB 408, KB 411, *Qal* PARTICIPLE) kan argisiisu (1) Gadameessa keessa Baudhaaf fedhi kan akka hin qabneef akka mucaa hin dhalannee fi ,kanaaf kan haafuraa duuteti (2 Moototta 19:3, Isa, 37:3) yookaan (2) dhadabbiin hojii fakkeenya firdii Waaqayyooti (Mikiyaas 4:9-10). Israa’el dhukkuba isaa beektee qalbii jijjirachuu qabdii (Isa 21:3, 26:17).

**13:14** “Isinaan fura.....isinaan oolcha” isaan goochmni wal fakkatoon kun lamaan akka gaaffii (gaaffii, NASB) yookiin akka argisiiftuuti (hima, NIV) hiikamuu danda’u. Septu’ajeentii (Septuagint) akka argisiiftuutti hiikaa kanaaf Phawolooos 1 Qor. 15:55 keessaatti itti fayyadameera. Haa ta’uu malee, barreefamni Maazoratikii (Masoretic Text), gaaffillee qabiyyee akka ta’an (NASB) ibsuudhaan murtoo argisiisuu (lakk. 14 D NET Bible).

Gochami jalqabaa (BDB 804, KB 911) jecha hin raawwatamiin (*Qal* IMPERFECT) yoo ta’uu gochamii lammaa immoo (BDB 145, KB 169) jechaa hin raawwatamne (*Qal* IMPERFECT) dha. Mata duree addaa ilaali. Fuuruu/hiikii 7:13 irra ilaali.

■ “Si’ool” mata duree adda ilaali, balleessuun eessa jiraa? Amos 9:2 irra.

■ “Dha’icha..... miidhama” isaan kun sodaa du’aa fi karaa isaati (jechuun, “dha’icha” BDB 184 fi “badiisa” BDB 881).

■ “Oo’a argisiisuun ija koo dura dhokateera” Macaafa Qulqulluu isa haara guutummaa biyya lafa (NIV) isaan kana lakk.15-16 kan jiruu wajjin rammada.

## Hose'aa 13:15-16

<sup>15</sup>Efreem obboloota gidduutti ija yoo godhate iyyuu, qilleensi ba’a-biiftuu, qilleensi Waaqayyo biraa abboomame, lafa duwwaadhaa ka’ee dhufuufjira;

boolli bishaanii isaa akka gogu, burqituun Isa akka gu’u in godha;

wanta gati-jabeessa kaa’ame hundumaas fudhatee in sokka.

<sup>16</sup>“Samaariyaan Waaqayyo ishee irratti waan kaateef,

yakka isheef adaba fudhachuun in ta’aaf;

namoonni ishee billaadhaan in kukkufu,

mucooliin isaanii humnaan daddarbatamanii warri ulfis

garaan isaanii in tatarsaafama” jedhe\*.

**13:15**

NASB

“Shomboqoo gidduutti yoo guddattes”

NKJV

“Obboloota isaa gidduutti ija-qabeessa yoo ta’es”

NRSV

“Warra arifataan gidduutti kan guddatu yoo ta’es”

TEV

“Israa’el akka aramaa yoo guddates”

NJB

“Efreem obboloota isaa caala ija yoo godhates”

MT “Ijoolleen obbolaa isa ija kan godhatan yoo ta’anis” kan jedhu qaba. Kan durii hiikooti (Griik, Siriyaa, Laatiin) “obboloota isaa gidduutti gargar qoqodiinsa fide” kan jedhu qaba. Hiikoti ammayyaa akka NASB “aramaa” kan jedhu “obboloota” kan jedhu akka sirreesutti yaadu.

“ija godhate” kan jedhu gochamichi (BDB 826, KB 903, kan hin xumuramne hiifaal/Hiphil IMPERFECT/) karaa “Efreem” naannoo isaa jecha naanna’uudha. Haa ta’uu malee, kan Waaqayyo qilleensi gara baha dhufaa jira (Assyria) kanaaf kana booda ija-qabeessa hin ta’u (jechuun, bishaan in gogaa). Waranaan baay’ee midhamoo kan ta’an saba isaa in balessa (lakk.16)!

■ **“Qilleensa Waaqayyo”** Goochimni kun Israa’el saba isaa adabuuf Waaqayyo akka meeshaatti Asoriin akka fillatte argisiisa (12:1, Isa 10:5).

**13:16 “Billaadhaan in kuffuu”** kun Dhaloota Kiriistoosiin dura 722 tti magaalaa guddoon Samaariyaa asoriin akka kufu argisiisa. Lakk.kun waranni durii sukaneessa akka ta’ee in mul’isa (10:14 irra kan jiru yaadannoo ilaali). Sabichi akkuma jiruutti in dhiphata (Isa 10:24-27).

# HOSE'AA 14

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Dhuma irratti Israa'eel ni haaromti	Fincilaa fi Haaromina (12:1-14:9)	Hosee'aan Israa'eeliif kadhate	Badiisini waan hafu miti (13:12-14:1)
14:1-3	14:1-3	14:1-3	Israa'eel dhugumaan gara Yaahiweetti deebiti
14:4-7	14:4-7	Gooftaan Israa'eeliif jireenyaa haaraa waada seene	14:2-9
14:8	14:8-9	14:4-8	
14:9		Xumura	
		14:9	Akeekkachiisaan xumuruu
			14:10

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABBANNA JECHAA FI GAALLEE

#### Hose'aa 14:1-3

<sup>1</sup>Yakka keessaniin gufattanii waan kuftaniif,

gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti deebi'aa, yaa warra Israa'el\*!

<sup>2</sup>Wanta jechuuf jettan kana fudhadhaatii, gara Waaqayyootti deebi'aa!

“yakka keenya guutummaatti nu irraa fuudhi, gaariitti nu simadhu!

Galata afaan keenyaas akka qalma jibootaatti aarsaa siif in dhi'eessina\*.

<sup>3</sup>Asor nu oolchuu hin danda'u, lolaa fi farad hin fe'annu;

deebinees wanta harki keenya tolcheen 'Waaqayyolii keenya' hin jennu;

ati isa ijoolleen abbaan irra hin jirre biraa oo'a argatuu dha” ittin jedhaa\*!

14:1 “Deebi'I” kun (BDB 996, KB 1427) jecha ajajaati/Qal IMPERFECT/. “Deebi'I”Hose'ee keessatti mata duree irra deddeebi'ame dha (fakkeenyaaf, 3:5, 5:4, 6:1, 7:10, 16, 11:5, 12:6, 14:1-2). Qalbi jijjiranaan dhugaa

bu'aa foonii fi hafuura in fida! Qalbi jijjiirachuun walitti dhuufeenya dhuunfa wajjiin kan wal qabate ta'uu hubadhu (jechuun, “gara Waaqayyo gooftaa keeti deebi’I” fakkeenyaaf, 2:13, 4:6, 8:14 13:6, Amos 4:6, 9, 10, 11) as much as it to rules!

■ **“Kufteetahooti”**dhaabbachuu danda’auun jireenya haafuraa Kakuu Moofaaa ibsuuf gargaara. Sirritti dhaabbachuun jireenya hafuura fayya-qabeessa mallatto yoo ta’e, kufuun immoo (BDB 505, KB 502, Qal PERFECT) mallattoo cubbuuti, Isa 3:8, 59:10, 14, Er 46:6).

14:2 **“Wanta jechuuf jettan kana fudhadhaatii, gara Waaqayyootti deebi’aa”** himii kun (14:1 in MT) jechoota ajajaa afur /Qal IMPERFECTIVES/ fi tokko kan wal qabatee Piel/ piel COHORTATIV/ qaba. Waaqayyo bifa barbaachisaadhaan deebii akka kennan barbaada!

1. “Fudhadhu” – BDB 542, KB 534
2. “Deebi’I” – BDB 996, KB 1427
3. “Dubbadhu” –BDB 55, KB 65
4. “Dhi’aadhuu” –BDB 1022, KB 1522 (piel COHORTATIVE)

Fudhadhu kan jedhu irra deebi’amu isaa hubadhu. Israa’el dhugaatti qalbi yoo jijjiirate Waaqayyo guutummaatti isaan simatee isaan in fayyisa! Kun haala aarsaan itti dhi’aatuu mul’isa (jechuun, MT “galata afaan keenyaas akka jibooleeti”). Gaalee kana akka gaariitti hubachuuf “dibichaa utuu hin ta’iin sagalee isaa fudhadhaa” kan jedhu itti dabbala. Kun sirritti kan bara Musee aarsaan haara’uu in mirkaneessa.

■ **“Cubbuu kee hundumaa balleessi”** The VERB (BDB 669, KB 724, QalIMPERFECT) is surrounded by IMPERATIVES. This phrase occurs several times (7) in the OT with God as its subject (Bau 34:7, Lak 14:18, Fara 32:5, 85:2, Isa 33:24, Hose’aa 14:2, Mikiyaas 7:18) and always means “remove iniquity” (cf NIDOTTE, voll. 3 p. 162). It is a plea from truly repentant covenant people.

■	
NASB, NKJV	<b>“Akka haraara isaatti nu simate”</b>
NRSV	<b>“Wanta gaarii ta’ee simadhu”</b>
TEV	<b>“Kadhata keenya simadhu”</b>
NJB	<b>“Qabeenya keenya simadhu”</b>

Yoo hiikamu irratti gargarummaa jiruu tob (BDB 373) hiika akkami qabata kan jedhuu bitaacha galuu isaa irraa kan ka’e.

1. Gaarii KB 371 I (LXX, NASB, NRSV, NJB)
2. Akkataa dubbii KB 372 IV (jechuun, “sagallee fudhadha” sarara 1, TEV,NET)

■	
NASB	<b>“Kan afaan keenya ija in kennina”</b>
NKJV	<b>“kan afaan keenyaa aarsaa in kennina”</b>
NKJV (footnote)	<b>“Kan afaan keenyaa aarsaa dibichaa in kennina”</b>
NRSV	<b>“Kan afaan keenya ija in kennina”</b>
TEV	<b>“Kakuu akka galeetti si ulfeesina”</b>
PESHITTA	<b>“Ija afaan keessani irraa kan ka’ee gatiin isini baasa”</b>
NJB	<b>“Dibicha irra kan wayyuu kan hidhii keenya in kennina”</b>
REB	<b>“Dallaa keenya keessaakanjiru sawwaan kakuu ni gala”</b>
NET Bible	<b>“Galata afaan keenya akka qalma dibichaati in dhi’eesina”</b>

“ Raawwachuuf,” kan jedhu gochamichi jechami hundee qabeessa kakuu galuu (fakkeenyaaf, 2 Samu’eel 15:7, Fara 50:14, 66:13, 116:14, 18, Isa 19:21). Kun wareega, kadhataa fi galataa argisiisa. Kuta kana yihudooti ammayyaa bakka kadhata aarsaa akka bakka bu’u ibsuuf itti fayyadamu (Fara 50, 69:30-31). Gara olii kan jiruu hiikuu fi akkataa hiika isaa Yihudoota giddutti baay’ee beekamaa kan ta’e, Sebtujentiin /Septuagint/ in calaqiisiisa. MT irratti kan dubbifamuu, “dibicha dhi’eessi” kan jedhuu dha. Kan Ibirichaa sirritti beekama miti qabiyyee kan qabu garaagarumaa guutuu qaba!

**14:3 “Asor nuu oolchuu hin dandeessu”** lakk.kana keessaatti ijoolleen nama itti amanu kan danda’an fi garewwaan siyaasa kan ibsan qabu, (1) Gareewwan alaa (wali galtee Asoroota, 5:13), (2) Humna waranaa

(fardeen warra Gibxii, Fara 20:7), fi (3) waaqa tolfamaa (“hojii harka keenya” jechuun, kan warra Kana’aan waaqa tolfamaa ija qabeessa).

■ **“Hojii harka keenya”** Hose’aa 4:12, 14:3, irratti Isa 2:18, 20, 17:7-9, 31:7 keessatti fi Er 10:3-5, 8-9, 14-15, keessatti waaqeffannaa waaqa tolfamaa in balaalefata. Ilaalchi kun Bau 20:4-5, 34:17 Leewoota 19:4, 26:1, Kes 4:15-19, 25, 5:8 in calaqisiisuu.

■ **“Hiyeessa gargaarii karaa keetiin haraara in argataati”** Waaqayyo akka maatii haraaratti ibsameera 11:1-4 irratti (Fara 68:5, Faaruu Er 5:3). Hiyeessa guddataa humna hin qabne fi hawaasa miidhamaa jiruu bakka bu’a. Kan Waaqayyo namootni gosoota akkasi kan ta’an namootaaf of eegachu qabu (fakkeenyaaf, Bau 22:21-24, , Kes 10:18-19, 14:29, 16:11-12, 24:17, 19, 26:12-13, 27:19).

“Haraaraargatuu” (BDB 933, KB 1216, Paul IMPERFECT) gochami jedhuu isa tokkicha mucaa Hose’aa wajjin tokkoodha 1:6. 2:4 irratti, ta’us garuu haarari kuta kana keessatti fi 2:1. 19, 23-keessatti deebi’eera! Kun “sabi koo” (1:9 vs. 2:1) akka jedhuu sagalee kakuuti.

## **Hose’aa 14:4-7**

<sup>4</sup>Waaqayyo, “Ana irraa garagaluu isa dhukkuba itti ta’e irraa isaan nan fayyisa;

aariin koo isaan irraa waan deebi’eef, fedha garaa kootiin isaan nan jaalladha;

<sup>5</sup>Warra Israa’eliif akka tiifuu bokkaa nan ta’a,

isaaniis akka daraara in daraaru, akka mukkeetii Liibaanon hidda isaanii in yaafatu;

<sup>6</sup>Latni isaaniis in diriira, miidhagummaan isaanii akka muka ejersaa,

fooliin isaaniis akka muka Liibaanon in ta’a;

<sup>7</sup>deebi’anii gaaddisa koo jala in jiraatu; midhaan in qotatu,

akka muka waynii isa tolee ija godhatii in ta’u,

akka daadhii waynii biyya Liibaanon maqaa in godhatu.

**14:4 “Hameenya irraa isaan nan fayyisa”** lakk.4-8 irraa Waaqayyo kan itti dubbatu! Gochamichi (BDB 950, KB 1272) jecha hin xumuramneedha. Fayyinni akka Kakuu Moofaaaati fakkeenya dhiifamaati (5:13, 6:1, 7:1, 11:3, Fara 103:3, Isa 57:18, Er 3:22).

“Hameenya” (BDB 1000) jechii jedhuu akkuma jiruutti “gara boodde deebi’uu” (11:7) dha. Er keessatti Waaqayyo irraa deebi’uu kan jedhuu fayyadama irra ooleera. (Er 2:19, 3:22, 5:6, 8:5, 14:7, Yihidaan amanti kan hin qabne in jedhamti 3:6, 8:11, 14, 7:24). Israa’el cubbuu isaa irraa yoo deebi’ee (jechuun, qalbi yoo jijjiratte) (14:1) Yaahiwween hameenya irraa isaan in fayyisa” (jechuun, hameenya)! Dheekamsi isaa isaan irraa deebi’eera (Kes 30:1-10). Naannoo Shub kan taphatan jechoota yaadadhu (BDB 996).

■ **“Fedha garaa kootiin isaan nan jaalladha”** gochami kun (BDB 12, KB 17, Qal IMPERFECT) sarara tokko irratti fayyina kan jedhu wajjin wal fakkaata.

Ayyaana (kan hin jijjiramne amala Waaqayyo) , gaarummaa osoo hin taane (kan hin jijjiramne laphee namaati fi fedhii), Kakuu Haaraadhaaf furtoodha (Er 31:31-34, Hizqeel 36:22-38). Haa ta’uu malee qalbi jijjiranaadhaa fi amanti qofa utuu hin ta’iin, kan jalqabaafi itti fuufinsa kan qabuu in gaafata (Kes 30, Mar 1:15, Hojii Ergamoota 2:21), ta’us garuu aboomamuu (Luk 6:46) fi itti fuufinsa kan qabuu (Mul’ata 2-3).

■ **“Dheekamsi koo isaan irraa deebirahahooti”** “dheekamsa” (BDB 60) kan jedhuu “funyaan” yookiis “fuula”. Dheekamsi dimaachuu fuulaa fi hafuura baafannaa cimaan mul’achuu danda’a. Asitti fedha Waaqayyo isa guddaa jecha dhokata namummaatin dhi’eesudha.

Qabiyee kana keessa “gara boodde deebi’uu” yookaan “deebi’ii” (BDB 996) kan jedhu irratti kan taphatan jechooti jiru.

1. Deebi’uu lakk.1
2. Gara...deebi’uu lakk.2
3. Deebi’ii lakk.4
4. Akkasumas lakk.7

**14:5 “Akka tiifuu”** tiifuu (literal here, not leke 6:4, 13:3) Israa’el keessatti waaqtillee bokkaa lamaan gidduu kopha isaa burqaa gidhiinsa dha akkasumas humni akka bira ga’uuf murteesadha. Lakk.5-7 eebba Waaqayyoo akka mallattoo qonnaati in ibsa (Kes 27-28).



There is series of JUSSIVE in lakk.5-6,

1. “Daraara” lakk.5- BDB 827, KB 965, *Qal* IMPERFECT - JUSSIVEhiika keessatti
2. “Hidda in yaafata” lakk.5 (jechuun, hidda in godhata) BDB 645, KB 697, *Qal* JUSSIVE
3. “In diriira” (lit. “go”), v.6 –BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERFECT - JUSSIVEhiika keessatti
4. “In ta’aa” – BDB 224, KB 243, *Qal* JUSSIVE

■ **“Liibaanos”** kun Kibba Israa’elitti kan argamu magaalaa guddoo Fiinqee, Tiyeer (Tyre) dha. Mukaan kan beekame ture. Qabiyyee kanaan

1. Mukoota, lakk.5 (magaalaa wajjiin wal fakkaata)
2. Mukoota, lakk.6 (muka ejeersa wajjin wal fakkaata)
3. Wine v.7 (waynii wajjiin wal fakkaata)

Qabiyyee keessa, kun Elzaabeeliin Tiyeeri gara Israa’el kan isaan fiduu ibsa sirri Ba’aal. Kan Liibaanos ija-qabeessa ta’uun Baa’al irraa osoo hin taanee Yaahiwwee irraati (v.8).

**14:6-7 “Muka Ejersa....midhaan.....waynii”** kan beekaman sadan miidhan warra Ibiroota dibata ejersaa, midhaanoota, Waynii. Yaahiwween kana biyya lafaaf kenne (fakkeenyaaf, Kes 8:709, 11:9-12). Isaan kun Yaahiwwee irraati malee Ba’aal irraa miti! Kan Waaqayyo aannanii fi dammii biyya hamaramuu dhufuun isaani eebba qonnaa in mul’isa (Amos 9:13-15), ta’us garuu sirritti kan fayyee fi kan haara’ee saba/maati Waaqayyo gammachuu guddaa kan ta’ee walitti dhuufeenya dhuunfaati!

**14:7 “Gaadisa koo jal’a in jiraatuu”** gochamichi (BDB 442, KB 444 *Qal* PERFECT) taa’u yookaan jiraachuu jechuudha.kun (1)Waaqayyo ilmoollee isaa baallee isheettin akka simbiroo eegduu ti (Fara 17:8, 36:7, 57:1, 63:7, Mat 23:27) yookiis (2)lakk.5-7 irraa fi 8 qabiyyee qonnaa irraa kan ka’ee, kun tarii Waaqayyo kan ija-qabeessa muka kan dhi’eessu ta’uun in ibsa (lakk.8 Hizqeel 17:22-24). Kan ija-qabeessaa fi tasgaBau burqaan isaa Yaahiwwe dha malee Ba’aal miti (lakk.8).

## **Hose’aa 14:8-9**

**<sup>8</sup>Egaa sanyiin Efreem Waaqayyolii tolfaman biraa maal qaba?**

**Anatu isaaniif dhaga’a, anatu dhimmee isaan ilaala;**

**ani akka muka yeroo hundumaa lalisuu ti ija godhachu kan si dandessisu ana biraa siif in argama.**

**<sup>9</sup>Egaa ogeessi eenyu ree? Innoo kana in hubata!**

**Hubataan immoo eenyu ree? Inni kana beekuu bira in ga’a!**

**karaan Waaqayyo hundinuu sirrii dha, warri qajeelonni isa irra in adeemu,**

**warri morman garuu isa irratti gufatanii in kufu\*.**

**14:8 “Egaa sanyiin Efreem Waaqayyolii tolfaman biraa maal qaba?”** kun kan akka jechama Ibirootatti tuffii dha (fakkeenyaaf, Abboota firdii 11:12, 2 Samu’eel 16:10, 19:22, Motoota isa duraa 17:18, 2 Motoota 3:13, 2 Qor. 35:21, Yohannis 2:4).

■ **“Anni si dhaga’eera”** Yaahiwwee malee waaqollii tolfamoon deebi hin kennan. Kun gochama wal fakkaata (BDB 772, KB 851) 2:21-22 keessatti irra deddeebi’amee fayyida irra oolera, 2:23 irra kan jiru kakuu inni guddaan sadarkaa kan kaa’u!

■ **“Gara isaa in ilaalu”** gochami kun (BDB 1003 II, KB 1449, *Qal* IMPERFECT) “of eegannoo wajjin” yaada jedhuu qaba (jalaa “ilaaluuf gara gaditti dachaasuu”).

Gochama wal fakkaatan kun 13:7 keessatti “qabuuf eegachuu” (Er 5:26) yaada jedhuu wajjin fayyida irra oolera. Qabiyyichi murteessadha!Waaqayyo Israa’el kan bara baraa fi kan of eegatuu yoo ta’uu, Kan Kana’aan waaqollii tolfamoon jireenya kan hin qabne kan mukaa waaqa tolfamaa fi kan sibilaa kan in arginne, kan hin dubbanne, kan hin nadeemne fi kan nama hin gargaare dha!

■ **“Akka gaatiraa laliseeti”** Waaqayyoo Kakuu Moofaaa keessatti akka mukaatti kan ibsamee iddoo sana gofaati dha.

■ **“Iji ana irraa argama”** Ba’aaliin osoo hin taanee burqaan eebbaa Yaahiwweedha. Sabni Waaqayyoo dhugaa kana utuu hin beekiin yoo hafee akkam kan nama diqisiisuudha.

**14:9** Kun macaafa raajii kan fakkaatu fakkeenya ogummaati, “Dhaga’ii gurra kan qabuu haa dhaga’uu.” “Hubachuu” (BDB 106, KB 619) fi “adda baasu” BDB 106 KB 122) gochamooti jedhan Jussiveis (JUSSIVES) dha (lamaan bocaan osaa in taane hiikaan). Hose’aa yeroo tokkoo oliif seera qabbessummaan dubbifamuu qaba!

■ **“Hundaafuu”** kun jechama cufaa ogummaa Hose’aadhaaf barsiisa dhuunfa deebi irratti xiyyeefata (kan waliin miti). Sabichi qalbi jijjiirachuu hin dandeenye, namni dhuunfa garuu sirritti jaalala Waaqayyoodhaaf deebi kennu in danda’a! Fillannoon kan nama dhuunfa yaada sagalee kakuuti (Hiz 18). Dhuunfaan waan gaafatamnuuf Waaqayyoodhaaf dhuunfaadhaan deebi kennu qabna.

■ **“Karaa.....irra deemu..... irratti kufuu”** kan jireenya amantii sochii qaamaf fakkeenyaan kan ibsuu jechoota lamattu jiru (fakkeenyaaf, Fakkeenya 23:19). Kun lamaanu Kakuu Moofaa karaa ogummaa seera barreffamaa in calaqisiisa, Waaqayyoon filladhu, isaa wajjin deemi jireenyatti jiraadhu yookaan cubbuu filladhuu isaa wajjin deemi (Kes 30:15-20, Rom 8:4-5). Mana qulqullummaa ishee durii kan jalqabaa karaa ergamoota jedhamee waamama. Macaafa Qulqulluu amantii mala jireenyaati. Jireenyi bara baraa kan mul’atuu amala kee qaba.

■ **“Qajeela.....toloota”** akka Ibirichaati hiddi “caafi kallattiin” ar’aa sarartuu jechuu in dandeenya. Kanaaf jechooti Ibiroota hundumtuu cubbuun asitti safartuu baasuu kan jedhu argisiisa. Safartuchii Waaqayyo mata isaatti! Mata duree addaa ilaali. Hose’aa 2:19 irratti tola jiruu ilaali.

## **BOQONNAA 13 FI 14 GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Hose’aan yaada mooti mootota mormaa turee?
2. Maaliif Phawuloos 13:14 Qor. isa duraa 15 keessatti kan ibsee?
3. Lakk.9 irratti kan ibse fakkeenya kallatiidhaan ibsi.
4. Waaqayyon ibsuudhaaf Hose’aan kan fayyadamee fakkeenyootti maal faadhaa?

Yaadi giddu galleessa macaafichaa maalii?

# SEENSA MACAFA YOONAAS

## I. Maqaa Macaafichaa

- A. Maqaan Macaafichaa kan moggaafame abbaama nacaafichaa irratti hundaa’uudhaan, akka kootti garuu bareessaan macaafichaa Israa’el keessatti maatii moototaa keessaa nama beekamaa kan ta’e; Yonaaf gara Yorbaam isa lammaffaatti ergamuu isaa nama dhaga’ee fi waa’ee sagalee Waaqayyoo nama hubate akka ta’ettan tilmaama.
- B. Hiika maqaa isaatii “gugee” (BDB 402) jechuu dha. Kun fakeenya saba Israa’el ture:
1. Daawwit Waaqayyoon ibsuudhaaf itti dhimma ba’eera, Faar. 68:13
  2. Daawwit Israa’eliin ibsuudhaaf itti dhimma ba’eera, Faar. 74:19 (akkasumas Hos. 11:11)
  3. Weedduu Weeddotaa keessatti fakeenya jaalalaa ta’ee dhiyaateera, 2:14, 5:2, 6:9
  4. Hose’aa raajichi Israa’eliin ibsuudhaaf bifa gaarummaa hin qabneen itti fayyadameera(Warra gara Kibbaa) , Hos. 7:11
  5. Isa raajichi saba Waaqayyoo warra hin ta’in wwarra Waaqayyoo gooftaa barbaaddatan(YHWH) ibsuudhaaf itti dhimma ba’eera, Isa. 60:8

## II. AKKAATAA KITAABICHI ITTIIN CALALAME (CANONIZATION)

A. Macaafni kun raajota warra gara boodaa keessatti qoodama (*Ecclesiasticus* 49:10).

B. Garee raajota warra xixiqqaa 12 ti(*Baba Bathra* 14b) :-

1. Warri akka Isa, Erm fi Izqeel garee tokko keessa jiru
2. Gosa Israa’el kudha-lamaan bakka bu’u
3. Toora ilaalcha aadaa macaafichaa calaqisiisa

C. Beektotni Macaafa qulqulluu toora raajota xixiqqaa 12n toora seena waliin wal qabsiisu. Haa ta’u malee ilaalchi kun rakkoolee hedduu qaba.

1. Macaafonni ja’an warri jalqabaa yeroo MT fi LXX dhaan barreeffaman garaa garummaan gidduu isaanii jira.

### MT

Hose’aa  
Yo’el  
Amos  
Obaadiyaa  
Yoonas  
Miikiyaas

### NXX

Hose’aa  
Amos  
Miikiyaas  
Yo’el  
Obaadiyaa  
Yoonas

2. Rogooleen keessaa akka duraa-boodaatti Amos Hose’aa akka dursutti kaa’uu.

3. Barri Yo’el jiraate baay’ee morkisiisaa dha. Ani Yo’eliin erga boojuutii deebi;anii booda Obaadiyaa waliin raajii jalqabaa akka ta’ettan ilaala

D. Macaafni Yoonas waggaatti yeroo soomii warra Yihudootaa (*Yom Kippur* (Guyyaa dhiifamaa) dubbifama, kanati akka macaafichi beekamu taasise.

## III. SHARBEE /GENRE/

A. Raajota xixiqqaa warren biroo irraa adda(irra caalaa seena’aa dha(narrative)). 2:2-9 irraa kan hafe barreeffama bifa walaloo hin qabnee dha; innis kadhata bifa walalootiin dhiyaatee fi raajii ifaa ta’e 3:4 irra jiruu dha.

B. Yaadi ijoo Macaafa Yoonas wal morkisiisaa tureerra. Beektotni Macaafa qulqulluu hedduun dinqii, raajii fi qabiyyee hafuuraa macaafichaatti baay’ee gammadoo miti.Kanaaf waa;ee yaada ijootiif yaadota hedduutu jira. Hedduun gocha godhamee hin beeknee fi deebi’uu akkasiitti ni dinqifamu!

1. Allaagorii (dubbii dhokataa)
2. Tooftaa hiikkaa Yihudootaa (Jewish Midrash)
3. Fakkeenya

- 4 . Akkayyaa
- 5 . Itti yaadamee kan harboofame (yaadannoo 1:2, irra jiru ilaali; akkasumas *Dictionary of Biblical Imagery* , fuula 458-459)::
- 6 . Macaafa Moototaa I fi II irratti kan barreeffame seenaa jireenya Eliyaasii fi Elsaayi kan fakkaatuu dha.

- C. Maqaan Yoonaas akka maqaa abbaa isaatii Ibroota keessatti hedduminaan hin argamu (Amittai, BDB 54 ilaali). Maqaa kanaan II Mootota keessaati namni tokkoo fi abbaan isaa caqafamaniiru 14:25. Nama bara Yerobi'aam isa lammaffaa jiraatee dha (dhaloota Kiristoos dura 783-743). Yihudootni yeroo hunda barbaachisummaa seenaa Yoonaas ni dubbatu (III Macc. 6:8; Tobit 14:4,8; Josephus' *Antiq* 9102). Yesuus Kiristoos Mat. 12:39-40, 16:4 fi Luq. 11:29 keessatti akka nama seena qabeessaatti dubbateera.
- D. Yoonaas akkuma Iyyoob dhugaa ta'uu Macaafa qulqulluu barsiisuudhaaf nama beekadhaan kan barreeffameedha jechuun ni danda'ama.(Jechuunis nama hundumaaf akkasumas saba Waaqayyoo warra hin ta'iniif). Caaffatni raajotaa hedduun ergaa raajichaa of keessatti qabatanii jiru, macaafa Yoonaas keessatti garuu jechoota raajii shan qofatu argama 3:4.
- E. Kakuu Moofaa keessatti macaafni Yoonaas macaafa ergama wangeelaa isa beekamaa dha. Yaadni guutummaan jaalala Waaqayyoo ilmaan namaa hundaatiif jedhu ilaalcha haaraa adda ta'ee dha. ( Isaii fi Miikiyaas).
- F.

#### IV. BARREESSAA MCAAFIGHAA

- A. Tarii bareessaan macaafichaa nama seenicha keessatti irra caalaatti ga'ee fudhate ta'uu danda'a. 1: 1 irratti raajota xixiqqaa keessaa akka tokko ta'etti ibsameera. Kun ilaalcha aadaa ti.
- B. Maqaan Yoonaasii fi kan abbaa isaatii Ibroota biratti kan barame miti; lamaan isaanii 2Mot 14:25 keessatti argamu. Inni bara Yerobi'aam Iitti Gaat-Eferii (Gath-hepher) raajii dhufe ture (Iya. 19:13) ,innis naannoo qomoo Baabiloon, Kibba Baha Naazireeti irraa maayilii sadii irratti.
- C. Israa'el keessaa qomoo beekamaa kan ta'e keessaa namni beekamaan tokko dhugummaa Macaafa qulqulluu ibsuudhaaf seenaa jireenya nama beekamaa ta'e tokkootti fayyadameera jechuun ni danda'ama (akka macaafa Iyyoob). Yoonaas mootii Israa'eliin waamamee ture (Jeroboam II) diinota Israa'elitti dubbachuu irraa ofii isaa eeggachuudhaaf. Yoonaas raajii gara Kibbaa isa beekamaa ture ( II Mot 14:25). Kun macaafa isaa keessatti maaliif jabeessee Naanawweedhaan akka morme kan ibsu ta'uu ni danda'a. Namni beekamaan mormii isaa dhaga'ee barumsa Macaafa qulqulluu akka qabu argee nuuxannoo jireenya Yoonaas kana bal'isee barreesseera (Dr. John Harris, ETBU, 1998).

#### V. Bara Macaafichi barreeffame

- A. Barreessichi isa 2 Mootota 14:25 irra jiru yoo ta'e, yeroon isaa bara Yerobi'aam ta'u akka danda'u deggera(dhaloota Kiristoos dura 783-743 dhuma irratti haftee dabalataa ilaali).
- B. Macaafni Yoonaas gara booda kanaa akka barreeffame dubbatama, kun garuu kan irratti hundeeffame
  1. Raajii waa'ee fuula duraa dubbatuun mormuudhaan.
  2. Gocha seena qabeessa ta'e macaaficha keessatti ta'e isa sammuu namaan ol ta'een mormuu dha.
  3. Kan yaadamu garaa garummaa fi raajii waa'ee sabaa isa boojuu booda jiru kan argisiisu akka ta'ee dha.

#### VI.Yoomessa seenaa

- A. Seenaa warra Sooriyaa keessatti Nanawween yeroo qalbii jijjiirranaa lama qabaatanii turan.
  1. Yaada gara Waaqayyoo tokkichaatti deebi'uu (jechuun Niiboo (Nebo) ) bara Adaad-Niiraarii(Adad-Nirari III) (Dhaloota Kiristoos 805- 782), Tiiglaatsi-piilaaser isa 3ffaa dura geggeessaan cimaan inni dhuma dhaloota Kiristoos dura bara 745 taayitaa qabate.

2. Bara bittaa Ashurdaan(Assurda III) keessa Sooriyaa keessatti dhukkuba namoota hedduu fixe(Dhaloota Kiristoos dura 771-754).

B. Seena Yihudootaa keessatti yeroo lamatu jira keessumatti ergaan Yoonaas barbaachisummaa isaatiif:

1. Jaarraa 8ffaa keessa, Israa'el qalbii akka jijjiirrattuuf waamichi Yoonaas barbaachiseera.
2. Baroota boojuu booddee jiran, Israa'el mata jabinnaa fi of-tuulummaa ishee akka bartuuf barbaachiseera.

VII.Bifa sirna barreeffamaa.

- A. boqonnaan qoqqoodamuun isaa guddina caaseffama isaatii argisiisa.
- B. Baafata ifaa ta'e(kutaa lama qaba, Boqonnaa 1,2 fi 3,4).
  1. Boqonnaa 1 –Yaadni Waaqayyoo tuffatamee kan Yoonaas bakka bu'uu isaa. Waaqayyotu mo'e!
  2. Boqonnaa 2 – Yoonaas qalbii jijjiirrate (Walaloo gochibsa yeroo darbe argisiisuun barreeffame; maqana Qulqullummaa Yerusaalem keessatti tajaajila waaqeffannaatiif kan ta'u).
  3. Boqonnaa 3 – Yaadni Waaqayyoo fudhatama argate; Nanawween qalbii jijjiirratte.
  4. Boqonnaa 4 – Yaadaa fi ilaalcha Yoonaas irraa adda kan ta'e amala Waaqayyootu mul'ate.

VIII.Dhugaawwan bebbeekkamoo(MAIN TRUTHS)

- A. Macaafni kun humanaa fi ol-aantummaa Waaqayyoo karaa uumamaa, sabaa fi mul'ataa mul'inatti argisiisa. Waaqayyoo kakuu Israa'el wajjin qabu garasitti hojjechuuf kan isa daangessu hin jiru!
- B. Namni Ibroota ta'e yeroo inni Waaqoon mormuu fi jalaa baqatu, yeroo ormoonni immoo namoota amantii ta'an(qaraxxoonnii fi sabni nanawwee).
- C. Jaalalli Waaqayyoo (Macaafota Kakuu Moofaa keessaa macaaficha sirriitti kan ibsu) ilmaan namootaa hundumaaf 3:10 fi 4:2,11 irratti ifatti argama. Waaqayyoo namoota qofa kan jaallatu osoo hin taanee bineensota iyyuu ni jaallata 4:1. Akkasumas umna Waaqayyoo fi qalbii jijjiirratnaa kan argisiisuu dha (sagalichaa fi raajicha).
- D. Warri Sooriyaa warri hamoonii fi jibbmoon qalbii jijjiirratnaa isaaniitii fi amantii Waaqayyoo(YHWH) irratti qabaniin isa biratti fudhatama argatan, 3:5-9. Yihudii ta'uun isaan hin barbaachifne( Ho. Erg. 15).
- E. Yoonaas Israa'el luba mootummaa isaa akka taayuuf waamicha inni isheedhaaf taasise kan argisiisuu dha ( Uum. 12:3, Ba'u. 19:4-6). Israa'el qooda wangeela baballisuu fi warreen biroo oolchuu qumummaa, adda baatee jiraachuu fi of-tuultuu taate( fakkeenya namicha samaariyaa, Luq. 10:25-37) .
- F. Macaafni kun fakkeenya Yesuus isa Luq. 15: 11- 32 keessa jiru Yoonaas waliin wal fakkeessa, Israa'eliin immoo akka ilma angafaatti.
- G. Kaayyoon yaada kanaa inni gara biraan
  1. Humna qalbii jijjiirratnaa(*Yom Kippur* , fi Mat. 12:41 ilaali)
  2. Akkamitti akka firdii qajjeelaanii (ga'ee raajotaa) fi cubuu dhiisuun (amala Waaqayyoo) akka walitti dhufu
  3. Araara gochuudhaaf walabummaa Waaqayyoo
  4. Qomummaa Yihudootaa fi jaalala Waaqayyoo wal cina yommuu qabamu
  5. Araara gochuun Waaqayyoo dhaloota kan biraa hin oolchu

# YOONAAS 1

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yoonas Abboomamuu diduu	Saba Nanawweef akka lallabu Waamicha Yoonsaa Isa jalqabaa	Yoonas Gooftaaf ajajamuu dida	Yoonas Waamicha isaa irratti fincile
1:1-3	1:1-3	1:1-3	1:1-16
Qilleensa galaana irraa			
1:4-9	1:4-6	1:4-5 1:6 1:7-8 1:9-10a	
Yoonas gafa galaanaatti gatame		1:10 b -11	
1:10-16	1:11-16	1:12 1:13-16	
Kadhachuu Yoonasii fi bilisa Bau isaa	Yoonas akkaataa dinqiidhaan fayye		
1:17-2:9	1:17-2:10	1:17	

### DUBBISA MARSAA sadaffaa (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

Keeyyata duraa

\*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfameqabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokkoqaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sanacalaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Quqlulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee

Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokko, lammaffaafisadaffaakeessatti ibsamaniiru.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## QA'ANNA JECHAA FI GAALEE

### Yoonaas: 1:1-3

<sup>1</sup> Gaaf tokko dubbiin Waaqayyoo gara Yoonaas ilma Amiitaayi dhufee, <sup>2</sup> “Ka’ii, gara Nanawwee mandara guddittii dhaqi! Hamminni namoota ishee guddatee na bira waan ga’eef, irratti labsi!” jedhe. <sup>3</sup> Yoonaas garuu isa dhiisee fuula Waaqayyoo duraa mandara Tarsheeshitti baqachuudhaaf ka’e; mandara Yoopheetti gadi bu’ee markaba Tarsheeshi dhaqu argate; inni warra markabichaa wajjin adeemuudhaaf gatii isaa baafatee, fuula Waaqayyoo duraa gara Tarsheeshitti sokkuudhaaf keessa ni lixe.

1:1

NASB

NKJV, NRSV

TEV

NJB

-----

“Amma”

“Guyyaa tokko”

-----

NASB fi NJB xumura hin hiikamin waliin kan wal qabate dursa irra kan galu banaa kan ta’etu jira. Kun luqqisii wali fakkii seenessa isaatii argisiisuudha (fakkeenya, Abo 1:1, I Sam. 1:1, Rut. 1:1). Kun barreessichi hojiin isaa akka seenaatti akka isaaf hubatamuuf barbaaduu isaa fulchoo kan kennuu dha.

▣ “**dubbiin Waaqayyoo gara Yoonaas dhufee**” kun akkaataa itti raajiin ibsamu isa amaleeffatamee da (fakkeenyaaf; Erm. 1:2;4; Hos. 1:1; Iyo. 1:1; Mik. 1:1; Age. 1:1; Zak. 1:1); as keessati garuu ergama Gooftaa kan argisiisuu dha.

▣ “**Yoonaas**” “hiikni maqaa isaatii” gugee” (BDB 402) jechuu dha. Seensa isaa 1b ilaali.

▣ “**Amiitaayi**” hiikaan maqaa isaatii “kan hin sochoone,” “amanamaa,” “nama haqaa” (BDB 54). Maqaan abbaa isaatii fi kan Yoonaas bakka baay’etti hin argamu (abbaa fi ilma); yeroo ta’e keessatti Kakuu Moofaa II Moot. 14:25 keessa qofatti argama. Kun immoo seena qabeessummaa macaafichaa kan argisiisuu dha.

**1:2 “Ka’ii...deemi...lallabii”** goch-ibsoonni kun hundi *Qal IMPERATIVES*ii ti. Ariitummaa argisiisu! This, like v 1, is a typical prophetic call (cf 3:3-4, erm. 13:4, 6). Waamichi Yoonaas inni boqonnaa 1 keessa jiru boqonnaa sadii keessatti irra deebi’ameera.

▣ “**Nanawwee**” karaa Senaaherib magaalaa guddittii warra Sooriyaa taatee turte; Iraaq ishee haaraatti qarqara laga Xigireesitti argamti; garuu kan jiraatte gara bara jalqabaatti ture (Uum. 10:11). Dhaloota Kiristoos dura bara 612tti warra Baabiloniin barbadeeffamte. Maqichi iyyuu (BDB 644) Ashtaaroti waliin (*Ishtar*) wal fakkaata.

▣ “**Magaalaa guddittuu**” ABD, jildii 3, fuula 938, fayidaa addeessa ammumeetiif xuqaa gaarii kaa’a “Magaalaa gudditti” (BDB 152):

1. Magaalaa guddittii, 1:2, 3:2,3, 4:11
2. Qilleensa jabaa, 1:4
3. Bubbee jabaa, 1:4,12

4. Baay'ee sodaatan, 1:10
5. Waaqayyoon baay'ee sodaatan, 1:16
6. Qurxummii guddaa, 1:17
7. “Isa guddaatii eegalee ,” 3:5
8. Kan mootichaa(warra beekamoo) , 3:7
9. “Yoonasiin hedduu aarse” ,4:1
10. “Yoonasis baay'ee gammade,” 4:6

Ibironni durii yeroo hedduu addeessa hin gargaaraman, irra deddeebii hin amaleeffatamin “guddaa” (akkasumas 4:10, hundee wal fakkaataa akkaataa biraatiin itti fayyadameera BDB ) 152) Warreen jalqaba dubbisan “guddaa” jecha jedhu humnaa olitti akka itti fayyadaman hubatu.

Qo'annaa dabalataatiif *Dictionary of Biblical Imagery*, fuula. 329 ilaali.

■ **“Dubbadhu”** jecha wal fakkataa BDB 894; KB (KB ) 1128; *Qal* IMPERATIVE Lakk. 2 fi 6 irratti itti fayyadameera. “lallaabi” yookaan “labsi” isa jedhu argisiisa (jechuun fedha Waaqayyoo (YHWH) ; fakkeenyaaf; Isa. 40:2;6; 58:1; Erm. 2:2; 3:12; 7:2; 11:6; 19:2; 20:8; 49:29) . Nineveh’s judgment would have caused ጽናት’s contemporaries to apalaud (Neh. 3:19) .

■ **“Ammeenya isaaniis”** kun maqaa; adeessaa; fi xumura ( BDB 947 & 949) ; “Hamaa;” (faalla gaarummaa fi jireenyaa) bifa wal fakkaataadhaan kaayyoodhaan irra deddeebi’amee itti fayyadameera:

1. Hammeenya saba Nanawwee, 1:2
2. Gubuu qilleensichaa, 1:7,8
3. Sabichi karaa isaa isa hamaa irraa akka deebi’uuf gaaffii mootichi dhiyeesse,” 3:8,10
4. Waaqayyos deebi’uu isaanii arge ( 3:10) badiisa itti fiduuf yaades itti hin fidne” 3:10
5. Aarii Yoonas, 4:1 (hundeen jecha isaatii deebi’ee ammas hojii irra ooluu isaa)

Xiyyeeffannaan hameenyichaa saba Nanawwee irraa gara raajichaatti deebi’e! galagalchoo nama dibuu dha!

Israa’elootni isaan waliin kan turan Asoorota irra caalaa baay’ee hamootaaf( *ህግ* 3:1,10,19) fi of-dhiibdota turan( Isa. 10:12-14). Hidhamtoota attam akka gochaa turan barreeffamaa fi fakkiiwwan warra Asoor isa durii irraa ni baratna. Kun maacaaficha adda ta’uu isaa kan argisiisu kallattii tokkoo dha. Nanawween akkuma Israa’el hamtuu turte( Naahom) , ta’u iyyuu yoo isaan qalbii jijjiiratan Waaqayyoo gatiitokko malee isaaniif dhiisa (haala jireenya hafuura). Waaqayyoof (YHWH) wanti murteessaan sanyii itti dhalatan osoo hin taanee qalbii jijjiirratnaa dha ( Amo. 9:7).

■ **“Fuula koo ga’eera”** kun Waaqayyoo inni waaqa irra jiru gocha lafa irratti godhamu hunda akka beeku kan argisiisu haala hafuura ti. ( Hos. 7:2). Waaqayyoo gooftaa hundumaati malee Isr kan aa’el qofa miti;( 9:7). Cubbuun yeroo hunda deebii waaqa irraa barbaada!

**1:3 “Baduudhaaf ka’e” kun kan nama naasisuu fi nama dinquu dha**, sirriitti deebii waamicha waaqa irraaf ta’uun kan mormuu dha. Maaliif akka inni gadde sababiin isaa inni sirriin as keessatti hin ibsamne ( 4:2). Yoonas warra Asoora hin jaallatu!

■ **“Tarsheeshi”** maqichi ((BDB ) 1077) kan argisiisu (1) dhagoota gati jabeessa yookaan (2) magaalaa fagoo qarqara Galaanaatti argamtu. Akka amaleeffannaatti magaalaa naoota Fiinqee (Phoenician) ta’uudhaan beekanti (jechuun;Tartessos) Ispeen Kaabaa Galaana Atilaantik irratti; garuu qoratnoon arki’ologii tokko tokko Sardiiniyaa biyya galaana gidduu(island of Sardinia) akka isheen taatetti kaa’u. ( Uuma. 10:4). Baayyee fagoo isa ta’e kutaa dhuma biyya lafaatiif fakkeenya ta’uu ni dandeessi. Yoonas gowwummaadhaan waamicha Waaqayyoo jalaa miliquuf yaalee ture( Faar. 139:7-12). Inni Waaqayyoo lafa kakuu isaa qofaan kan daangeffamuutti yaadee ture.

■ **“Gadi bu’e”** itti fayyadamni xumura kanaa irra deddeebi’ameera(yookaan BDB 432; KB yookaan KB 434; qa’aalii hin raawwatamin (*Qal*IMPERf ECT) 1:3 keessatti (Yeroo lama) ; 5 (akkasumaand an additional sound play on “fallen sound asleep”) ; fi 2:7. **“Gadi bu’e”** inni jedhu kun tarii Yoonas hammeenyaan fudhatamuu isaa kan argisiisu ta’uu danda’a(ABD) ; jildii 3; fuulu 938) .

Gaaleen kun Yoonas mana qulqullummaa Yerusaaalem keessa utuu jiruu gara Nanawwee dhaqee akka labsuuf ergama isaaf dhufe kan argisiisuu dha. Barrssitootni Macaafa Qulqulluu yeroo hedduu kan isaan odeessan



gara adiitti gadi bu'uu isaa yookaan hanga mana qulqullummaatti adeemuu isaati. Manni qulqullumichaa bakka ol ka'aa irratti argama ture(jechuunis, gaara Mooriyaa, gaarewwan bebbeekamoo Yerusaaalem 7 keessaa isa tokko) , gaalichi garuu ilaalcha hafuuraas qaba. Biyya lafaa irratti argamuu Waaqayyo Gooftaa(YHWH's presence) wajjin kan wal madaalu mana qulqullummaa Yerusaaalem keessa hin turre.

❑ **“Yophee”** kun Telaaviiv (Tel-Aviv) ishee haaraa dha. Buufata doonii uumamaa kan warra Felisxeemii dha. Bara seenaa kanaatti Israa'eliin hin ilaallatu.

❑ **“Markaba argate”** Ibirootni markaba irra kan hojjetan miti Yoonaasiif gara galaanaatti gadi bu'uun abdii kutachuu isaa argisiisa. Markabattiin tarii kan namoota Finqee ta'uu malti. Markabni galaana irraa kun bakka fe'umsaa lamaa fi sadaffaa walakkaa qaba. Namoota mi'a sirreessan 30 hanga 50tti isa barbaachisa.

❑ **“Gatii isaa baafate”** (MT) “gatii ishee” kan jedhu qaba (BDB 969) . Ibsitootni macaafaa warra Yihudootaa hedduun Yoonaas sooreessa waan tureef guutummaa markabattii kireeffateera jedhanii dubbatu(jechuunis *Nedarim* 38a ; LXX Macaafni qulqulluun garuu “gatii isaa” jedha.

### **Yoonaas: 1:4-6**

**4 Yommus Waaqayyo qilleensa jabaa galaanichatti kaase; bubbuun human-qabeessis galaanichatti waan ka'eef markabichi caccabuu bira ga'e. 5 Yeroo sanatti waarri markaba oofan ni sodaatan; namnis adduma addaan gara Waaqayyo isaatti iyye; akka itti salphatuuf mi'a markabichaa galaanatti gad daddarbatan; Yoonaas garuu kutaa markabichaa keessa lixee ciise, rafees of gatee ture. 6 Ajejjuum markabichaa immoo isatti dhiyaatee, “Attamitti akkas of gattee raftaa? Ka'ii, Waaqayyo kee waammadhu! Tarii Waaqayyo kun akka nuyi hin badneef nu yaadata ta'aa!” jedhe.”**

**1:4 “ Yommus Waaqayyo qilleensa jabaa galaanichatti kaase;”** akkaataa itti fayyadama maqoota waaqa irraa hubachuudhaaf of-eegga dhu. Yeroo hedduu namootni amantii hin qabne Yoonaas waliin haala wal qabateen maqaa Elohiim(*Elohim*) jedhu itti fayyadamu garuu Yaawee (YHWH) *dha*. Mata duree addaa ilaali: Amos. 1:2 irra isa jiru maqaa Waaqao. xumurichi (BDB 376, KB 373, hiifilii raawwatamaa dha/*Hiphil* PERZ ECT/) qilleensa hamaa erguu jechu dha(jechuun, jabaa, Erm. 16:13, 22:26) . jechi wal fakkaataan 1:5,15 irratti “jeeqamsa” isa jedhutti hiikameera. Waaqayyo Gooftaa uumamaa fi seenaa to'atuu dha.

❑ **“Qilleensa jabaa..... Bubbee jabaa”** lakk. 2 irra yaadannoo jiru ilaali.

❑ **“ markabichi caccabuu bira ga'e” hala nama dhibuun** (akkaataa addaatti) xunurichi (BDB 990;KB KB 1402;caaseffama niifilii hin raawwataminii *Niphal* INFINITIVE CONSTRUCT ) akka markabattiin akka namaatti“ nan caba jettee akka isheen yaadde” taasisee dhiyeessa!

**1:5 “waarri markaba oofan ni sodaatan; namnis adduma addaan gara Waaqayyo isaatti iyye” xunurri lamaan** “sodaatan” (BDB 431, KB 432) fi “iyye” (BDB/277, KB 277) , qa'aalii hin raawwataminii dha (*Qal* IMPERFECTS) ,gochichi itti fufiinsa akka qabu argisiisa.

Lakk. 5 fi 6 irratti “Waaqayyo” jechi jedhu Elohiimii (*Elohim*) dha (mata duree addaa Amo. 1:2 irra ilaali) . Lakkoobsa heddumminaa warra Ibirootaa waan ta'eef “Waaqayyo” isa lakk. 5 fi 6 irra jiru hiika. Warri markaba oofan waaqa addaa akka waaman argisiisu, kanaaf, isaan qomoo saba ormaa kan biraa keessaa ta'u. kana yeroo jennu qomoo saba ormaa hundumaa bakka bu'u.

Warri waa'ee madda hawwaasaa qoratanii fi waa'ee madda namaa qoratan akka jiedhanitti sabni kam iyyuu amantii qaba. Namoonni uumama amantii qabuu dha. Akka kootti kun isa Uma. 1:26-27, keessatti namni akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyoott uumame jedhu calaqqisiisa; kan fuudhanii fi heeruman yoo ta'an illee (Uma. 3).

❑ **“keessa lixee ciise, rafees of gatee ture”** kun ga'isa. Warri markaba oofan yeroo kadhatanii fi markabichatti akka salphatu yeroo taasisan; Yoonaas ni rafa ture. Maal akka ibsu hin ibsamne. Mul'inatti inni yaada Waaqayyoo didee deemaa jiraachuun isaa yookaan wanta jireenya warra markaba keessa jiranii irra ga'aa jiruuf hin yaadu. Kun maal nadhibee yookaan immoo adoodummaa hafuuraa argisiisa; murtaa'aa ta'uu jechichaa irraa kan ka'e (BDB 922, KB 1191, *Niphal* IMPERFECT), adoodummaa hafuuraa yookaan immoo sammuum xuqamuu argisiisuu ni danda'a (jecha wal fakkaataadhaaf Uma. 15:12; I Sam. 26:12) .

**1:6 “Ajejuun markabichaa ..... Ka’ii, Waaqayyo kee waammadhu!”** Ga’isa akkamiiti! Namni orma ta’e kakuu Waaqayyo Gooftaa(YHWH) kan dubbatu nama ta’e akka kadhatuuf yeroo kadhatu. Yoonas “Ka’ee” Nanawweedhaaf “akka Iyyu” (lamaan isaanii iyyuu qa’aalii ajajaati/both *Qal* IMPERATIVES/, Lakk. 2) Waaqayyo waamicha taasiseraaf. Jecha nama ormaa inni ta’e ajajjuun markabichaa Yoonasitti dubbate waliin wal fakkaata!

■ **“Tarii Waaqayyo kun akka nuyi hin badneef nu yaadata ta’aa!”** kun hundee guddina barsiisa amantii kanneen akka Baahaa amantii filatamoo ammayyaa kan walitti qabatuu dha. Himni kun kaayyoo guddaa macaafa Yoonasiif sadarkaa qopheessa. Warri Yihudoota hin ta’in Waaqayyo tokkicha baruu barbaadu! Isa baruudhaaf baay’ee barbaadu(Ogestin; “Namni kam iyyuu Waaqayyoon akka inni barbaadu kan isa taasisu qaawwaan Waaqayyoon hojjetamte keessa isaa jira”).

### **Yoonas: 1:7-9**

**7 Kana booddees warri markabaa adduma addaan, “Wanti hamaan kun sababii eenyuutiif akka nurra ga’e beekuudhaaf, kottaa muka buufannaa!” waliin jedhan; kanaaf isaan muka buufatnaan, mukti Yoonas irra bu’e. 8 Kana irratti isaan, “wanti hamaan kun sababii eenyutiif nurra ga’e? hojiin kee maali? Eessaa dhufte? Biyyi kee eessa? Sanyiin kee maali? Nutti him! ittiin jedhan” 9 Inni immoo, “ani ibricha; Waaqayyoon isa Gooftaa ta’ee waaqa irra jiraatu, isa galaanaa fi lafa uume nan waaqeffadha” jedhe.”**

**1:7 “kottaa” kun** (/BDB / 229, KB 246) ajaja (a *Qal* IMPERATIVE). Jechoota tumsoo ta’an lamaan hordofama:

1. 1 muka buufannaa, /BDB / 656, KB 709
2. beekuudhaaf (“akka barruuf”) , /BDB / 393, KB 390

■ **“Muka buufannaa”** kun biyya gara Bahaa ishee durii keessatti Waaqayyoon gorsa gaafachuudhaaf gocha beekamaa ture. Israa’elis haal wal fakkaataa ta’een Urmii fi Tumiimitti fayyadanti (Iya. 7:14; I Sam. 14:40-42; Erg. 1:26). Waaqayyo haala kanaan fedha isaa akka mul’isu hubadhu. Lakkoobsi kun namootni markaba irra hojjetan sochii amantii isaan human waaqa irra jiruuf qaban argisiisa (Lakk. 14).

**1:8 “Nutti him” xumurri kun** (/BDB / 616,KB 665, hiifilii ajajaa/*Hiphil* IMPERATIVE /) kadhatnaa argisiisa(jechuunis, nutti himi ni kadhatnaa.....). Waa’ee Yoonas baruudhaaf gaaffii duraa fi booda qabu eegala.

**1:9 “Ani Ibricha”** Jechi kun ofii isaanii ibsuudhaaf jecha ilmaan Yaqoob itti fayyadaman waliin tokko/BDB / 720). Innis hundeen jechichaa Akkadotaa ta’ee kan *habiru* irraa ti, jechuunis “utaalee kan darbe yookaan kan deene.” Ibiroonni dhaloota Kiristoos dura bar-kumee lammaffaatti saba Seem keessaa warreen gara biyya Baha dhiyootti godaanan keessaa warra tokkoo dha.

■ **“... Ni sodaatu(ni waaqeffatu) ” xunurichi** (BDB 431; KB 432; *Qal* IMPERATIVE) ilaalcha Yoonas Yaawee(YHWH) fi Elohiim(*Elohim*) *iratti qabu sirriitti kan ibsu miti* (asitti akka uumaatti ibsameera) .

■ **“Waaqayyoon isa Gooftaa ta’ee waaqa irra jiraatu”** kun boojuu booda maqaa Yaaween (YHWH) ittiin waamamu isa beekamaa dha (jechuunis ; II Seen. 36:23; IZ. 1:2; Nah. 1:4;5; 2:4;20) ; Ammas taanaan kana qofaan namni tokko macaafni Yoonas macaafa boojuu booddeeti jechuu hin danda’u. Abirahaamiinis itti dhimma ba’ameera(Uuma. 14:19;22; 24:3;7) . Markaaboonni Finqee kun “Gooftaa waaqaa” jedhamtee kan waamamtu waaqessu jechuun ni danda’ama (B. Porten, “Baalshamem and the Date of Jonah fuula 240-241; M. Carrez, J. Dore, and P. Grelot [eds]) kan barreeffame ilaali.. Waa’ee maqaa Waaqayyoo isa Amo. 1:2 irra jiru mata duree addaa ilaali.

■ **“Isa galaanaa fi lafa uume”** kun uumaa isa ta’e isa oolchuu danda’u Waaqayyoon argisiisa (jechuuni; *Elohim*; Uuma. 1:1-2:3) . Inni Waaqao isa ka’uu rakkinihaaf sababii ta’u akka ta’e hubadhu(jechuunis; galaanicha).

### **Yoonas 1:10-14**

**10 Inni waa’ee ofii isaa waan isaanitti himeef, jarri fuula Waaqayyoo duraa baqachaa akka inni jiru hin**

hubatne; kanaaf isaan guddaa sodaatanii, “maali, attamitti akkas goote?” ittiin jedhan. 11 Galaanichi ittuma dabalee unkuramaa waan adeemaaf isaan, “galaanichi nu irraa akka gab jedhuuf attam si goone ree?” jedhanii isa ni gaafatan. 12 Kana irratti Yoonaas, “fuudhaatii galaanicha keessa na uusaa! Yoos galaanichi isin irraa gab ni jedhaa; bubbeen umna qabeessi isinitti ka’e kunis sababii kootiif ta’uu isaa anoo beekeeraa” isaaniin jedhe.” 13 Jarri immoo markabicha deebisanii gara lafaatti baasuudhaaf jabeessanii ni mooqan; garuu unkuramuun galaanichaa isaanitti dabalaa waan adeemeef, kana gochuu hin dandeenye. 14 Yommuus isaan Waaqayyo isa galaanaa fi lafa uume waammatan, “adaraa yaa Waaqayyo! Lubbuu namicha kanaa nu harka barbaaddee nu hin balleessin! Akka waara dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasaniittis nu hin lakkaa’in! Yaa Waaqayyo kana akka sitti tulutti situ hojjete” jedhan.

**11:10 Kun wanta haaraa dha**—Ormoonni ajaa’ibsiifachuun sodaatan (a COGNATE ACCUSATIVE; “isa dhumaa sodaatan”) Sodaatamuu Waaqayyoo namni dubbatu Waaqayyo duraa miliqaa jira (lakk. 9) , garuu immoo utuu arguu nama jal’ina yaadu.

**1:11**

**NASB**

**NKJV, NRSV**

**TEV**

**NJB**

“Galaanichi uttumaa caalchisee hunkurame”

“Dhaahan Galaanichaa humnaan dabala ture”

“Qilleensichi haala gadheedhaan jabaataa dhufe”

“Galaanichi haala jabaataa ta’een dabalaa dhufe”

Gaaleen kun haasaa jechamaa warra Ibirootaa irraa (lakk. 13) ,*Qal* ACTIVE PARTICIPLES) kan hojjetamee dha.

1. Dhufe (BDB 229,KB /KB /246)
2. Dabalaa (BDB 704, KB 762)

**1:12 “Fuudhaatii Galaanicha keessa na buusaa”** lamaanuun xumura kanaa ajaja(inni jalqabaa BDB 669, KB 724, qa’aalii ajajaatii/*Qal* IMPERATIVE/ fi inni lammaffaa, BDB 376, KB 373, hiifilii ajajaa/*Hiphil* IMPERATIVE/ dha) . Gocha kana ilaalchisuudhaan yaadota hedduutu jira: (1) lubbuu warra markaba keessa jiraniitiif aarsaa of gochuu (kun immoo yaada waliigala caaseffama barreeffamichaa wajjin wal hin gitu) , (2) Isa dhumaa ergaa Waaqayyoo jalaa miliquu, yookaan (3) adaba jal’ina mataa isaatii. Waaqayyoo yaalii miliquu Yoonaas ni gufachiise. Qurxummiin guddaan Galaana keessaa sun karaa ittiin du’a irraa oolaniitii fi fedha Waaqayyoo raawwachuudhaaf geejjiba (Yoonaas garuu hanga gara lafa gogaatti ba’ee tufamutti isa kana hin barre!

**1:13 “Jarri immoo markabicha deebisanii gara lafaatti baasuudhaaf jabeessanii ni mooqan”** Ammas Yoonaas isa hamaa oolchuudhaaf ormoonni warri markabicha oofan yeroo isaan yaalii taasisan ni argina, waliigalli magaalaa ormootaa kan itti hin dhaga’amne! “mooqan” jechi jedhu kallattiidhaan “akka gaariitti yaalii taasisuu” dha (/BDB / 369, KB 365, qa’aalii hin raawwatamin/*Qal* IMPERATIVE/ ) . Humna jabbaataa argisiisa.

**1:14 “Gara Waaqayyootti iyyan”** “Gooftaa yookaan yaa Waaqayyo” Yaawee (YHWH) argisiisa. Saba ormaa warri ta’an warri Fiinqee kun kadhata isaanii keessatti yeroo sadii gara Waaqayyootti (Waaqayyo isa kan Yoonaas) iyyan—ammam kan yaadamu miti(irony again) . Sabni ormaa kun Yoonaas caalaatti kadhachuuf warra fedhii qaban, waa’een cubbuutii fi waa’een lubbuu mucaa namaa baay’ee kan isaanitti dhaga’amuu dha.

■ **“Dhiiga qulqulla’aa”** kun jechama warra Ibrootaati( Kes. 21:8 fi Mat. 27:24-25) .

■ **“Yaa Waaqayyo:** kana akka sitti tolutti situ hojjete” Xumurri “tolutti” jedhu (BDB 342; KB 339; *Qal* PERFECT ) isa yaade raawwachuuf dandeeitii Waaqayyoo argisiisa (jechuunis; Faar. 115:3; 135:6 Isay. 46:10; 55:8-10 fi; Dan.4:35 wal madaalchisi) .

Akka ol aantummaa isaa isa kan Og-waaqummaa keessa jruun alatti waa’ee Waaqayyoo dudubbachuun iddoo hin qabu. Dhiksaan isaa walitti dhufeenyi kan dhufe Waaqayyo isa ol aanaa ta’ee fi nama isa waan barbaade gochuuf immoo walabummaa guutuu isa qabu gidduutti. Yoonaas Waaqayyo eenyummaa namaa isa fedha hin qabne wajjin akka hojjetu argisiisa.

## Matadure addaa: durse kan murta'ee (Kaalviniziiim) yookaan fedhii bilisaa nama (Harmeeniiziiim)

- I. Roome 8:29, Phawuloos "dursa beekumsaa" (dursaanni beeku) kan jedhuu lamaansaatti gargaarameera, asitti fi 11:2 irratti. 11:2 irraatti kan argisisuu kakuu jalaalla Waaqayyootti, yeruuchi utuu hin jalqabiin fuulduraatti Isira'eliif kan inni qabu. "beekee" jechi jedhuu Ibiroota wajjiin kan deemu itti dhiyeenyaan, walitti dhuufeenya dhuunfa wajjiin ta'uu isaa yaadadhu, waa'ee nama tokkoo dhugaa jiruu osoo utuu hin

ta'iin (Seera uumama 4:1, Irmiyaas 1:5). Asitti inni kan dabalame hidhata haala barabarumma walqabateeti (Rom8:29-30) jechii kunii murtoo duraa wajjin wal qabata qaba. Ta'us, inni taa'uu kan qabuu dursee beekuu waaqayyoo hundee filatamu u miti, sababnii isaa, akkan yoo ta'ee filatamun nama kufeen ----- (gara fuulduraati) deebii irrattii kanta'u ture, kunisi hojii namaan. Jechi kun immoo kan argammu, HoE26:5 ; 1phexiros 1:2, 20 fi 2phexiros 3:17.

### A. "Beekamtii duraa" ("dursee beeku")

"beekamtii duraa" fi "dursee kan murtaa'e" jechii jedhan lachanuu "duraan" kan jedhu kan walmadaaluu wajjin kan walmakaniidha, fi kanaaf, hikamuu kan qaban "dursee beeku, "daangaa dursee murteesuu" ykn "dursee mallattoo gochuu" kan jedhuudha. Keewwati Ibsa ta'aan murtoo Dursaa irratti, Kakuu Haaraa keessatti Rom8 :29 -30, Effesoon 1:13-14 fi Rom9 irratti argama. Bareeffamootni kun ifatti cimsa kan laatan waaqayyoo hundumaa danda'uu isaati. Waaqayyoo hundumaa hin too'ata. dursee kan tolfamee karoorri waaqummaa Yerootti kan hojjeetuu qaba.

Ta'us, karoorri kun kan nama walii gadi rukutuuf ykn filatamaa kan hin taane. Innis kan hundaa'ee olaantummaa waaqayyootii fi duraan dursee beekuu isaa irratti qofa miti haa ta'uu malee isaan kan hin deeggaramnee jaalalli, aaraari isaa, fi kan Ayyaana nuuf hin taane amala isaati.

Kan keenya kan warra lixaa (Ameerikaa) dhuunfaa irraa of eeggachuun irra jira, ykn wangeelaawummaa fedha ho'aa wanta Ajahibsiisaa kanaa dhugaan akka irra hin dibamne (akka hin dhokfamnee) of eeggachuu qabna. Akkasumas kan wal-faalleessan Yaadi lama jechuun, seenaadhaaf jeequumsa barumsa waaqayyummaa, kunis Faallaasaa Awugxinoos Pelegiyuus, Ykn Kaalpiyeezim Faallaan isaa erminiyaaniziiim gidduutti.

### B. "Dursee murteessu" (*proorizo*, "warra murta'aan fi dursani tolchuu")

Dursa kan murta'aan jaalala waaqayyoo, Ayyaana, fi araara isaa murteessuudhaaf kan godhamee bu'uura amantii miti ykn warra tokko tokkoo wangeela irraa ambisuu miti. Innis amantoota jabeessuu dhaaf malee, ilaalcha biyya lafaa tolchuudhaaf. Waaqayyoo dhala namaa hundumaatiif (1<sup>a</sup> Xim 2:4, 2<sup>a</sup> Phex. 3:9). Waaqayyoo waan hundumaa hin too'aata. Eenyuuyyuu ykn kamiyyuu isatti adda baasuu danda'aaree? (Room. 8:31-39) Waaqayyoo Seenaa hundumaa amma hin ilaala. Namootni yeroodhaan kan murta'aanii dha. Yaadii isaanii tiif dandeettiin isaanii murtaa'aa dha. Olaantummaan waaqayyoo filannoo bilisaa dhalanama gidduutti jibba hin qabu. Inni qindaa'uma kakuuti. Kunis fakkeenya dhugaat, wal-falmii faallaatiin kan dhiyaateedha. Bu'uura amanti macaafa qulqulluu yaadoota adda addaa irra dhiyaate isaanis Yeroo hundumaa kan dhiyaatan Aayyaahoota (Paaraadooks dha.) dhugaa kan ta'uu warra yaadan lamaan faallaa gidduutti madaallii eeguudha. Faallaa kan araawwannee balleessuun nurra hinjiraatuu, dhugaa sana keessaa tokko baasuudhaan. Dhugaa macaafa qulqulluukaminiyyuu mataa isaatiin gara kutaa adda ta'eetti achi qabuun nurra hin jiru.

Kan biraa yoo dabalamee bu'a qabeessa kan inni ta'uu galma filatamoo mootummaa waaqaa qofa miti, Yeroo duunuu kan nuti argamnu, haa ta'uu malee amma kan ta'u kirstoosiin fakkaachuu dha. (Room. 8:29, Efeso. 1:4, 2:10). Kan filatamnee "qulqulluudhaaf mudaa kan hinqabnee" akka ta'uuf . waaqayyoo kan nu fiateef nuu jijjiiruu fi kan biraa immoo jijjramiicha argee amantiidhaan karaa kirstoos waaqayyof deebii akka laatuuf. Murtoon dursaa kennaa dhuunfaa miti, haa ta'uu malee kakuu dirqamaati. Kunii dhugaa keewwatichaa isa guddaa dha. Kun galma kirsaataanummaati. Qulqulluumaan jaalala waaqayyooti tokkoo tokkoon kirataanaatiif, filannoon waaqayyoo isa fakaachuudha. (Efes. 1:4) ejjannoo biraa Osoo hin taane. fakkeenya Waaqayyoo , innis umummaan namaaf laatama (Seera Um. 1:26, 5:1, 3, 9 :6) deebi'uudhaf.

- C. "Bifa Ilma isaa Haa fakkaataniif "galmi waaqayyoo inni dhumaa, kufatiidhaan kan bade fakkeenya isaa deebisuudhaaf . Amantootni kirstoosiin fakkaachuudhaaf dursee murtaa'eera (. Efeson 1:4).

## II. Roomaa 9

- A. Rom9 olaantummaa waaqayyo irratti 1<sup>an</sup> Kakuu Moofaa kan kakuu irratti keewwata cimaadha. (kabira kan ta'uu qabu Efes. 1:3-14), Boqonnaa 10 kan inni lafa kaa'uu filannoo bilisaa namaa ifaa fi irra

deddebi'ee ta'ee utuu jiruu (“tokkoon tokkoon isaa” lakk. 4, “Eenyuu iyyuu yoo ta'ee “Lakk 11, 13 , “hundumaa “Lakk. 12 [ lammanuu ] ). Phaawuloosi baruumsa waaqayyummaa kanaa wal-mormii isaa walitti araarsuudhaafii raawwatee Yaalii hin goonee. Isaan dhugaa lamaan! hundeen amanti macaafa qulqulluun baay'een (doktiriin) kan dhiyaatan. Aayyaahoo'Aawwii ykn wal-falmaa lamaanii dha. Baay'een baruumsa waaqayyummaa.

Agoosxinoos fi kaalviinoot, sababa irraa, baruumsa waaqayyummaa irraa seera isaa caalaa, kunis macaafa qulqulluu dursa kan itti yaadamee hiika murtaa'aa akka ta'uu kan dirqisiisuu.

- B. Dhugaa wal- fakkaataa kanaa (Rom9:23 irratti kan argamu) Rom8:29-30 fi Efe. 1:4, 11 irratti argama. Boqonnaan kun olaantummaa waaqayyoo ibsa jabaa kan qabuu dha, Kakuu Moofaatti. waaqayyoo kan uumamaa fi itti gaafatamummaa fayyiisuu walii galaa akka qabuu falmiisiisaa miti. Dhugaa guddaan kun cal-jedhamu dhaafii ganamuu raawwatee kan hin dandaa'amneee dha. Ta'uus waaqayyoo fakkeenya isaatti nama uumee wajjin wal- fakkaachuu dhan, kakuu filachuu isaa, madaalli isa eeguu qaba. Dhugumatti sirrii kan ta'u Kakuu Moofaa tokko tokkoo kakuu, akka seera umamaa 15 kan qaban, Haallicha miti kanaaf deebii nama wajjin raawwatee wal- hinqabatu, haa ta'uu malee kakuu biraan deebii nama wajjin haallawwanii dha (fakkeenya Eden, Nohi, Musee, Daawwit). Waaqayyoo uumama isaa oolchuudhaaf karora qaba, namni kamiyyuu karoora kan karaatti ambisuu hin danda'uu. Waaqayyoo, Namoonni karoora kanaan akka hirmaatanii fi fedha isaa heyyameera. Carraan hirmachuu kunis baruumsa Waaqayyummaa faallaa dha, olaantummaa (Rom9) fi fedha bilisaa namaa (Rom10) gidduutti.

Ian cimsa macaafa qulqulluu filatee ka- biraa dhiisuun sirrii miti. Hundee amanti gidduuttimormii qabaata, sababni isaa uummatni warra lixaa dhugaa kan isaan dhiyeessanii faallaa dhaan (Daayaaleektawii) ykn wal-faalleessuun lama ta'uudhaan. Hundee bu'uuraa amanti dirqamattiabuu kan isaan irra jiruu hundee bu'uuraa kanbirootii wajjin haala deemuun. Dhugaa ilaalcha guutuu dhaan (fakkii) dhugaa.

## III. Efesoon 1

- A. Filamuun ajaahibiisaa hundee amantiiti. ta'uus, inni kan feedhaan waamaman miti, haa ta'uu malee kan ittiin darban, hidhaa, ykn kan biraa oolchuudhaaf mala! Kakuu Moofaan jechichi fayyadama irra kan oolee dursa fayyinaaf innis tajaajila irraa kan burqee dha. Macaafni qulqulluun raawwatee walitti hin araarsuu, olantumman waaqayyoo fi fedha bilisaa namaa gidduu kan jiruu faallaa kan fakkaatuu, haa ta'uu malee lamman isaa hin jabeessa! Falmii macaafa qulqulluu fakkeenya wayyuu kan nuuf ta'uu Rom9 filannoo olaantummaa waaqayyoo fi Rom10 deebii barbaachisaa dhala namaa (Rome 10:11, 13).

Falmii baruumsa Waaqayyummaa furtoon isaa argamuu kan danda'uu 1:4 irratti. Iyasuusi nama filatamaa waaqayyooti, kanaaf hundumtuu kan filatan karaa isaatiin (kaarlii Paarz). Iyasuusii kan Waaqayyoo “Eeyyee” dha fedha dhala nama kufeef (Parl Paarz). Efe 1:4 akkasumaa hin gargaara dhimmicha ibsuudhaaf, kunis cimsa kan inni kennu galma murtoo dursaa mootummaa waaqayyoo qofa miti, haa ta'uu malee qulqulluumaan (kirstoosiin fakkaachuu). Nuutii Yeroo hundumaa inni booji'amna cina fayyadama Wangeelaa qofaan, itti gaafatamummaa gara cinaatti dhiifnee! waamicha Waaqayyoo (Filannoo) Yeroodhaafiis bara barafis! Hundee bu'uuraa amanti dhugaa kan bira wajjin wal-qabatee dhufuu qaba, qophaa isaa, wal-qabataa kan hin qabnee dhugaa wajjin osoo hin ta'in. Fakkenya gaarii kan ta'uu garee urjii fi faallaa isaa urjii tokko kophaa. Waaqayyoo dhugaa kan inni ibsuu galumsa warra bahaatiin malee warra lixaatiin miti. Daayileektik (Paaradooks) dhugaa bu'uuraa amanti lama ta'ee falmii dhiyaatan balleessuu hin qabn waaqayyoo akka hin murtoofnee fi faallaa isaa ykn waaqayyoo daangaa murtaa'ee; Fayyina Faallaa isaa jabina iyasuusi Abbaa wajjin wal- qixa ta'uu isaa faallaa isaa iyauusi Abbaa wajjin akka hojjeetu, birmadummaa kirstaanaa faallaa isaa itti gaafatamummaa kirstaanaa, kakuu hiriyyaa, kan kana fakkaatan).

“Kakuu” kan jedhu yadni ijoon baruumsa waaqayyummaa olaantummaa Waaqayyoo fi (innis Yeroo hundumaa ka’uumsa isaa kan fudhatuu fi Yaada mata duree isaa (karoora) kan qopheesse, ka’uumsa dirqamsisaa fi itti fuufeenya kan qabu kan qalbiijijjiirraanaa fi kan amantii deebii namootaa. barreffamicha qulquleessuu irraa of-eegadhaa. Kan Ayahoohun (Paaraadooks) kan isa tokkoo gar-tokko qofaan fudhachuu fi kabiraa xiqqeessuu! Hundee bu’uura amantii kan ofii jaallatamaa gochuu ykn Seera baruumsa Waaqayyummaa cimina itti kennuu of-eegadhaa.

- B. “Ini nu filate”Efe 1:4 goch darbee ilaalcha giddu galeessaa, innis Abbaa isaatiif jabina kankennu. kunis xiyyaaffannoo kan Yeroo fuul duura kan turee filannoo Abbaa. Filannoo Waaqayyoo murtoo Asilaamootaa bifa kanaan hubachuun hin danda’amu, ykn cabsee kan bahee bifa Yaada garaatiin, murtaa’oon kan biraa akka mormaniitti, garuu bifa kakuutiin, waaqayyoo ilma namaa kufee fayyisuu fi kakuu galeera. (Seera umamaa 3:15). Waaqayyoo Abirahaamii waame hin filatees, ilma namaa hundumaa filachuudhaaf “seera umamaa 12:3, Seera bahuu 19:5-6). Waaqayyoo mataan isaa ijoollee namaa hundumaa filateera. Amantii kirstoosiitti jiraachuu kan qabatan. waaqayyoo Yeroo hundumaa Fayyinaa fi ka’uumsa hin fudhata (Yohaannis 6:44, 65). Barreeffammni kunii fi Rom9 murtoo dursa macaafa qulqulluu hundee bu’uura amantii ti, awogisxiinoosiif kaalviin ciimsanii kan laatan. Waaqayyoo amantoota kan inni filatee fi fayinaaf (tolaaf) duwwaa fi miti, Qulqulluummaa irraas malee (Qolasaysi 1:12). Kunis demuu kan danda’uu (1) eejeennoo kirstoosti qabnnuu dha (2 Qor. 5:21) ykn (2) fedha waaqayyoo, karaa ijoollee isaa amala isaa mul’isuuf (2:10 Rom8:28- 29 Galaati. 4:19). waaqayyoo ijoollee isaatiif fedhiin ini qabuu lachanuuti Guyyaa tokko Mootummaan waaqayyoo fi amma kirstoosiin fakkaachuun keenyaa! “isaan” Efe 1:4 furtuu Yaad-rimee. Eebbaawan Abbaa, Ayyaana, fi Fayyina karaa kirstoos hin dhangala’aa (Yohaannis 14:6). Rogi Yeroo kanaa dabalammu isaa ilaala (bakka argsiisa) Lakk 3 irratti, “Kirstoosiin”Lakk. 4, “isaan”Lakk. 7 “isaan” Lakk 9 “isaan” Lakk 10 “kirsitoosiin” “isaan” Lakk 12, “kirstoosiin” fi Lakk. 13, “isaan” (Lamata). Iyasuus kan waaqayyoo “Eeyyee”dha, mucaa namaa kufee fi (kaar! Paarz). Yasuus Nama filatama dha, akkasumas hundumtuu karaa isaa filatamu. Hundumtuu eebbi Abbaa karaa kirstisoos dhangala’aa. “uumama biyya lafaa dura”Gaaleen jedhuu immoo Maat. 25:34, Yoh. 17:24, 1pHex. 1:19-20 fi Mul. 13:8 Fayyadama irra ooleera. Innis kan argisiisuu waaqa sadan tokkoo hojii oolchuu Seera uumamaa 1:1 dura ta’uu isaati. namoonni galuumsa Yeroottiin kan murta’anii dha, nuuyii fi wanti hundumtuu kan darbeedha, ammaa fi kan dhufu dha. waaqayyoo fi garuu miti. Murtoon dursee Galmii isaa qulqulummaa malee carroomuu miti. Waamich Waaqayyoo Ijoollee Addaam kan filataman mirtaawoo dhaaf miti haa ta’u malee hundumaatiif waamichi isaas waaqayyoo ijoollee namatiif akka ta’uu fi kan barbaadee dha, isa akka fakkaatan (1Tosoloonqee 5:23 2Tesoloonqee 2:13) fakkaattii isaa (Seera uumamaa 1:26 -17). Murtoo duraa gara barumsa Waaqayyummaatti yerroo jijjirruu, bakka jireenya qulqulluummaa bu’ee gadsisaa dha. Yeroo hundumaa baruumsi waaqayyummaan keenyaa macaafa qulqulluu irraa barreeffama qulqulluu caalaa iyyee dubata. “Mudaa kan hin qabne”ykn “mudaa irraa walaba” jechi jedhu fayyadama irra kan oolee (1) Iyasuus (Ibr 9:14, 1pHexiroos 1:19); (2) Zagaariyaasii fi Elsaabeet (Luq 1:6) (3) Phaawuloos (Filiphisiyuusi 3:6) fi (4) Hundumtuu kirstaanoota dhugaa dha. (Filiphisiyuus 2:15 1Teseloonqee 3:13 , 15:23). Fedha Waaqayyoo hin jijjiramnee tokkoon tokkoon kirstanaatii, booda irratti mootummaa Waaqayyoo qofa irratti miti, haa ta’uu malee amma kirstoosiin fakkaachuu dha (Rom8:29-30, Gala 4:19, 1Phexiroos 1:2). Amantoonni amala Waaqayyoo biyya lafaa badeettii akka calaqisiisan, hojii wanggeelaatiin. “Jaalalaan” Gaaleen jedhu Haala Yeroon, Lakk kanaan deemuu kan danda’u tokkoon isaa Lakk 4 ykn Lakk . 5 dha. ta’uus, Gaaleen kun bakka kan biraatti fayyadama irra yammuu ooluu, Efeitti inni Yeroo hundumaa kan argsiisuu namni jaalala inni waaqayyoo dhaaf qabu dha. (3:17, 4:2, 15, 16).
- C. Efeson 1:5 “inn dursee beekke” gaaleen jedhu kan xumuramee kan ammaaAORIST ACTIVE PARTICIPLE. jechi Giriikii kun karoora oolchuuti (Luq 22:22 Hojii Erg. 2:23, 4:28 , 17:31 Rom8:29-30). Dursa murtoo dhugaa baay’ee gidduu dhaa isaa tokko dha. innis fayyina namoota wajjiin kan adeemuudha. Innis murtoo Barumsa waqayyummaa ykn dhugaa kan biraatiin wajjin wal-qabatee wal irraa fudhatee dha. inni raawwatee adda bahee jabina kan latu ta’uu hin qabu! Dhugaan macaafa qulqulluu kan inni kennu yeroo dhugaan kan dhugaa hin fakkaanne (Paaradooks) lammanidha. Kan

amantaa kutaa tokko, falmii macaafa qulqulluu balleessuu barbaadu, 1<sup>an</sup> diyaaleektikaawwi dhugaa qofa jabina kennuudhaan dursa murtoo faalleessuun fedha bilisaa namaa fayyina amantootaa faallaa jabina amantootaa, cubbuu jalqabaa faallaa cubbuu fedhaa, cubbuu irraa bilisa ta'uu faallaa cubbuu xiqqoo hojjechuu, akkuma sanaan kan labsamee qulqullummaa faallaa itti fuufeenya kan qabu qulqullummaa amantaa hojii faallaan bilisummaa kirstaanummaa faallaa dirqama kirstanaa, daangaa kan hin qabanne kan murtaa'ee).

Filannoo Waaqayyoo gocha dursee beekuudhaan miti, haa ta'uu malee amala araara mataa isaatiin (Lakk 9 fi 11). Inni kaninni barbaaduu hundumtuu (Kan adda bahaan Osoo hin taanee, akka Ginoostik ykn akka warra amma Iyyoomee cimsanii kaalpiinootaa) hin fayyuu (Isqeel 18-21-23, 32, Yoohaannis 3:16 -17 1Ximitihoos 2:4, 4:10 tiitoo 2:11, 1Ximitiyooos 3:9. Ayyaanaa Waaqayyoo (Amala Waaqayyoo keewwata kun furtuu baruumsa waaqayyummaati (Lakk, 6A, 7C 9B), akkuma araara waaqayyoo kan biraatiif keewwata murti duraa, Rom9-11 fuurtuu akka ta'ee hundumaa . Mucaan namaa kufee abdiin inni tokkich aayyanaa waaqayyoo fi araara isaati (Isaayas 53:6 fi kan biraa baay'een barreeffamni Kakuu Moofaa Rom3:9-18). Dursa baruumsa waaqayyummaa kanaa Boqonnaan Hiikamee murteessaa kan ta'uu Phaawuloos kan inni jabeessee wantoota kana kenne hubachuudhaaf, isaanis walumaagala hojii namaa wajjin raawwatan kan hin dhageenyee murtoo dursaa (Boqonnaa 1), ayyaana (boqonnaa 2), fi Fayyisuu Waaqayyoo karora bara baraa (dhoksaa, 2:11 – 3:2:13). Kun barsiisoota sobduu, hoji namatii fi of tuulummaa kan jedhuu cimsa ijaa bahuun madaallii eeguudhaf.

## **Yoonas 1:15-16**

**15 Yoonasiin immoo fuudhanii galaanicha keessa buusan; galaanichis unkuramuu isaa isa sodaachisaa ni dhaabe.16 Jarri ittumaa guddisanii Waaqayyoon sodaatan; Waaqayyoof aarsaa ni dhiyeessan, wareegas ni warreegan.**

**1:16 “Jarri ittumaa guddisanii Waaqayyoon sodaatan”** Gochaawwan tasgabbaa’an hedduun isaanis bubbee, dubbii Yoonas, fi qilleensi baay’ee akka isaan ajaa’ibsiifaman isaan taasise( COGNATE ACCUSATIVE) . hubannaan ormootaa inni dabalaa dhufe kun keessa isaaniitti soda uume,hubatnaa wayyu inni qabu Yoonas garuu amma kanatti miti( 4:2) .

■ “Aarsaa dhiyeessan” kunis seer-luga wal fakkaataa gara biraa dha (COGNATE ACCUSATIVE).

■ “Wareegas ni wareegan” kun haalichi keessa isaaniitti dabaluu isaa kan argisiisu seer-luga kan biraa dha. Deebiin isaanii akka Yihudootaatti(Faar. 116:17-18) . Tarii Yoonas waliin bal’inaan haasawanii ta’uu danda’a.

## **Yoonas :1:17**

**17 Waaqayyo yeroo sanatti qurxummii guddaan tokko achitti argamee Yoonasiin akka liqimsuuf godhe; akkasitti Yoonas garaa qurxummichaa keessa guyyaa sadi’ii fi halkan sadii ture.**

1:17 “Waaqayyo qurxummii guddaa achitti ajaje” , “ajaje” xumurri jedhu (BDB / 584, KB 599,/ Piel IMPERF ECT/ ) dinqiiwwan afuran isaaf iyyuu itti dhimma ba’ameera.

1. Qurxummii guddaa, 1:17
2. Biqiltuu, 4:6
3. Raammoo, 4:7
4. Qilleensi ba’a biiftuu inni gubaan, 4:8

Gaaleen kun Waaqayyo isaan kana achumatti akka hin uumin argisiisa, garuu immoo bakka isaa bu’anii akka hojjetaniif uumama jiru yookaan ture ajajuu isaa argisiisa (akka harree ishee Seera Lakk. 25 keessa jirtu sanaa) . Waaqayyo inni Yoonasiin uume seenaa fi uumama isa to’achuu danda’uu dha. Ani isa jiraatu, isa jaallatu, eenyummaa hundaa ol ta’e isa qabu Waaqayyottin amana! Ta’e iyyuu xiyyeeffannaa waliigala macaafichaa inni ta’e ergaan isaa inni akka Macaafa Qulqulluutti ta’e dinqicha miti(jechuunis, jaalalli Waaqayyoo nama hundaaf, ormootaa fi isa of-dhiibaa fi jallaa Yihudaatiif).

■ **“Guyyaa Sadii’ii fi halkan sadii” kun guyyaa sadii guutu jedha;** garuu immoo awwaalcha Yesuus kan argisiisuu fi akka bara Hadesitti (time in *hades*) yoo ta’e(Mat. 12:39-40; Luq. 11:29-32); tarii walakkaa guyyaa tokkoo; guyyaa itti aanu guutummaa isaa; fi guyyaa sadaffaa hanga tokko ta’uu ni danda. Agarsiiftuu yeroo isa sirrii miti.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasuu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yoonas maaliif gara Nanawwee dhaquu hin barbaadne?
2. Attamitti haala kanaan warri markaba oofan nama hafuuraa ta’uu Yoonas akkaataa hafuuraan akkamitti madaaluu yaalan?
3. Maaliif “qurxummii guddaan kun” namoota heedduu yaachise?
4. Kaayyoon macaafa kanaa maalii dha?



# YOONAAS 2

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Kadhata Yoonaasii fi bilisa Bau 1:17-2:9 2:10	Yoonaas akkaataa dinqiitti fayye 1:17-2:10 2:10	Kadhata Yoonaas 2:1-9	Yoonaas ni fayye 2:1-10

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### ILAALCHA WALIIGALA YAADA BOQONNICHAA

- A. kadhatni kun (lakk. 1-9) walaloo Macaafa qulqulluu isa baay'ee namatti toluu dha. Miiraan gara Waaqayyootti iyyuu osoo hin taanee, hojii qulqullaa'aa ifaa ta'e fakkaata. Ta'u iyyuu, shaakalli Yoonaas kan calaqqisiisu, waa'ee bishaanii jechoota hedduu qaba( lakk. 3,5).
- B.
- C. Kadhatni kun faarfnaa galaataa wajjin naay'ee wal fakkaata. Yoonaas seera mana qulqullumaatiin baay'ee nama bilchaataa dha.

### QAYYABBANNA JECHAA FI GAALLEE

#### **Yoonaas: 2: 1-9**

<sup>1</sup> Waaqayyo yeroo sanatti qurxummii guddaan tokko achitti argamee Yoonaasiin akka liqimsuuf godhe; akkasitti

Yoonaas garaa qurxummichaa keessa guyyaa sadi'ii fi halkan sadii ture.

<sup>2</sup> Yoonaas immo garaa qurxummichaa keessaa Waaqayyo isa Goofticha ni kadhate;

<sup>3</sup> "Yaa Waaqayyo, ani rakkina koo keessatti siin na waammadhe, ati yommu ana jalaa ni awwaatte;

gara iddoo lafa jalaa keessaa sitti nan iyyadhe, ati immoo sagalee koo anaaf ni dhageesse.

<sup>4</sup> Ati tuujjuba keessatti, garaa galaanaa keessatti na darabatte;

bishaanni humnaan lola'us ana masee ture,

dha'aan kee fi tuulamee darbatamuun bishaan keetii hundinuu ana irra ni yaa'an.

<sup>5</sup> Yommu, anoo fuula kee duraa gatameera,  
deebi'ee mana qulqullummaa kee nan arga laataa? Jedhee nan yaade.

<sup>6</sup> Bishaanonni mataa koo irra ya'anii, lubbuu koo ni sodaachisan;  
tujjubni na marsee, margi bishaan keessaas mataatti na marame.

<sup>7</sup> Yommu an gara hundee tullootaatti, gara biyya danqaraa isa  
bara baraan ana irratti cufametti gadi nan bu'e; ati garuu yaa Waaqayyo Gooftaa koo,  
boolla gadi fagoo sana keessaa fayyaatti ol na baafte.

<sup>8</sup> Yeroo lubb un koo na keessatti gaggabdetti, yaa Waaqayyoo ko ani sin yaadadhe;  
gara kee anaaf ni dhufe. kadhanni koos mana kee isa  
qulqullaa'aa keessatti gara kee anaaf ni dhufe

<sup>9</sup> Warri Waaqayyoolii tolfaman warra waa'ee hin baafneef safuu buufatan,  
Waaqayyoon isa gaarummaa isaanitti argisiisu ni dhiisu .

<sup>10</sup> Ani garuu sagalee galataatiin, aarsaa siif nan dhiyeessa;  
wanta ani wareeges nan baasa; fayyisuun kan Waaqayyoo ti!" jedhe .

**2:1 Haalli rakkisaan Yoonaasiin mudate yaada Waaqayyootiin kan karoorfamee dha. ( 1:4, 17, 2:3) .**

■ “Waaqayyo isa Goofticha ni kadhate” Isaan kun lamaan Israa’elootaaf maqaa Waaqayyoo isa beekamaa dha; Yaawee fi Helohiim(YHWH fi *Elohim*) .Maqoota Waaqayyoo Amo. 1:2 irra isa jiru ilaali.

**2:2 “gara...iyye” Gaalee kana** (BDB 894, KB 1128, *Qal* PERZ ECT) Yoonaas yeroo hedduu (yeroo 8tiif) karaa lamaan itti fayyadameera: 1 dubbachuudhaaf (lallabuudhaaf) , 1:2, 3:2,4,5 2. Kadhachuudhaaf, 1:6,14, 2:2, 3:8 gargaarsaaf “nan iyye” (/BDB / 1002, KB 1443, Peeyilii raawwatamaa/*Piel* PERf ECT/) isa jedhu wajjin wal fakkaata(jechuunis, Faar. 30:2-3, 119:146, Isa 58:9).

■

NASB, NRSV,

NJB

“Rakkina koo irraa”

NKJV

“muddama koo irraa kan ka’e”

TEV

“Rakkina koo keessatti”

Maqaan kun (BDB 865) dhiibbaa gochuudhaaf yaada hiikkaa murtooftuu taate irraa kan maddee dha (jechuunis, Miilla nama biraatiin biqiltuu cabsuu jechuu dha, jechuunis, Faar.18:4-6, 22:11, 25:17, 118:5,120:1) .

■ “iddoo lafa jalaa keessaa,” dhoksaan jiru “gadi fagoo;” jecha jedhu irra ta’uu danda’a; hiikni inni sirriin“mi’a garaa ti” (BDB 105) isa Yoonaas keessa jiru.

Bakki Yoonaas kallattiin itti argamu “garaa qurxummii keessa” (/BDB / 588) . Jechi Si’ol jedhu bakka warri du’an keessatti argaman argisiisa ( “boolla,” isa jedhu waliin walitti dhiyaata Faar. 30:3) . Iddoon awwaalchaa yeroo duunu mul’ataa qaama keenyaatiif iddoo boqonnaa akkuma ta’e, Si’olis bakka eenyummaa keenyaati.

Kakuu Moofaan waa’ee jireenya du’a booddee yaada kennu hin qabu. Wanti muraasni wanta nuuf kenname irraa nuti barru:

1. Du’a booda miira dammaqaa yookaan yaaduu danda’u qabna
2. Warri du’an maatii waliin jiru
3. Tokkummaan yookaan gammachuun hin jiru
4. Namoonni hamoonnii fi qajeeloonni bakka sana jiru
5. Waaqayyo iddoo sana jira, garuu hin waaqeffamu (Faar. 6:5, 88:10-12, 115:17, 139:8) .

Mata duree addaa ilaali: Warri du’an eessa jiru? Amo. 9:2.

■ “ati immoo sagalee koo anaaf ni dhageesse” Kun kadhataa saba kakuu dhaga’uu fi deebii kan ibsu jechama warra Ibrootaa ti.

**2:3 lakk.** 3 fi 5 keessatti jechoota galaana waliin wal fakkaatantu jiru. Kun haala wal keessa xaxamaa kan ta’e haala uumama bishaanii kan caqasu ta’uu danda’a (Uuma. 1:1) . Waaqayyo uumama bifa hin qabne akkuma sirreesse, jireenyi Yoonaasis akkasuma. Bishaanoonni sun Yoonaasiin Waaqayyo irraa adda baasee ture (lakk. 4, Faar.: 69:1,2,14,15, 88:6,7,17), dhugaan isaa yommuu ilaalamu garuu fedha Waaqayyoo gochuudhaaf geejjiba ta’aniif (jechuunis qurxummichi).

Kan wal fakkaataa yookaan walitti dhiyaatan kuufamoota hedduutu jiru.

1. Lafa jala, lakk. 3 (/BDB / 846)
2. Lafa jala isa guddaa, lakk. 5 (/BDB / 1062)
3. Naannoo kootti, lakk. 3 (/BDB / 685, KB 738, *Poel IMPERF ECT*)
4. Natti marsan, lakk. 5 (BDB 67, KB /KB /79, *Qal PERF ECT*)
5. Naannootti, lakk. 5 (/BDB / 685, KB /KB /738, *Poel IMPERF ECT*)
6. Bishaanonni, lakk. 3 (/BDB / 625)
7. Dha'aan isaa, lakk. 3 (/BDB / 991)
8. Damnalii, lakk. 3 (/BDB / 164)
9. Bishaanota, lakk. 3 (/BDB / 565)

▣ **“Ati tuujjuba keessatti, garaa galaanaa keessatti na darabatte;”** Xumurri kun (BDB 1020; KB 1527; hiifilii hin raawwatamin (*Hiphil IMPERF ECT*) Yoonasiif carraa gaarii akka ta'e akkasumas bubbee galaanaa sanatti kan gargaarame Waaqayyo akka ta'e akka bare yookaan immoo hubate argisiisa ( 1:4) warri markabicha oofan murticha murteessuudhaaf ( 1:15) .

2:4

NASB	“nan gatame”
NKJV	“nan darbatame”
NRSV	“nan ariyatame”
TEV	“nan ari'ame”
NJB	“kan ari'amee dha”

Xumurri kun (/BDB / 173, KB 204, Hiifilii raawwatamee dha/*Niphal PERF ECT*/) humnaan ari'atamuu jechuu dha. Kakuu Mofaa keessatti kutaa kana qofa keessatti argama. Aramaayikii keessatti hiikkaadhaaf itti dhimma ba'u (/BDB / 176) . Kun bu'aa cubbuu fi ergaa Waaqayyoo diduu isaa akka ta'e Yoonas bareera. Yeroo kana qurxummichi karaa fayina isaa akka ta'e hin beeku ture (Faar.31:22) ! Sababii Yoonas (or sage) jecha kana kan inni filachuu danda'eef galaana keessaa darbatamuu jechuu dha(jechuunis, jecha galaanaa kan biraa, fakkeenyaaf, Amo. 8:8, Isa. 57:20.

▣

NASB, NRSV,	
NJB	“argaa kee duraa”
NKJV	“Ija kee duraa”
TEV	“Argamuu kee duraa”

Yaadni gaalee kanaa “mana qulqullummaa kee keessatti argamuu irra” ( parallel in the next line) .

▣

NASB	“garuu immoo”
NKJV	“amma iyyuu”
NRSV, NJB	“attamitti”
TEV	“kanaaf”

Gaaffiin isaa, “walaloon toora kanaa Yoonas deebi'ee akka mana qulqullummaa argu mirkaneessa(NASB, NKJV) yookaan akka hin dandeenye(NRSV, TEV, NJB) ?” jechichi dabalgochima moo (/BDB / 32) yookaan galagalchii (/BDB / 36) ? Toorri kun miira du'a Yoonas gufachiisuu hordofa(dabal-gocho) yookaan Waaqayyo akka isa oolchu Yoonas isatti dhaga'amee jira(galagalchii) ? Sababiin isaas haalli rakkisaan Yoonas lakk. 3-6 ibsameera akkasumas gargaarsi Waaqayyoo lakk. 7-9 ibsameera, lakk. 4 yaada walii gala isaa keessatti “attamittiin” inni jedhu hiikamuu akka qabu fakkaata(dabalgochima,/ BDB / 32) . Ta'e iyyuu, lakk. 6c irratti abdi gargaarsaa kan qabu fakkaata, maaliif lakk. 4b keessatti hin taane?

▣ **“mana qulqullummaa kee ”** manni qulqullummaa Yerusalemiin jiru iddoo buufata gabatee dhuga baatuu isaa ti. Yihudoonni Waaqayyo kirubeel lamaan isa gabatee dhuga baatuu irra jiru gidduu akka jiraatutti amanu(fakkeenyaaf; kes. 25:22; Lak. 7:89; I Samu. 4:4; IISamu. 6:2; Faar. 80:1; 99:1) . Bakki kun samii fi ardiin; hafuurrii fi wanti ijaan argamu itti wal ga'anii dha! Yoonas deebi'ee Mana Qulqullummaa Yerusalemiin jiru keessatti akka waaqeffatu ni amana(lakk. 9) .

2:5

NASB

“bishaanni amma du’aatti na marsee ture”

NKJV

“bishaanichi lubbuu koo nillee marsee ture”

NRSV

“bishaanichi ana irra yaa’e”

TEV

“bishaanichi ana irra yaa’ee na hudhe”

NJB

“bishaanni na marse mrma na ga’e”

Gochimicha (/BDB / 67,KB 79, qa’aalii raawwatame /*Qal* PERFECT ECT/) yeroo baay’ee faarfannoota keessatti Yaaween(YHWH) kan irraa oolchu rakkina jireenya sodaachisu keessatti gargaaramu(fakkeenyaaf, II Samu. 22:5, Faar. 18:4, 116:3) .

Niifshi (*nephesh*) *jechi jedhu* “ana,” “lubbuu koo,” “morma koo” (BDB 723) isa jedhu hiika, “hafuura” yookaan “jireenya” kan argisiisuu dha(fakkeenyaaf, Uuma. 2:7) . Kutaa kanaa fi Faar. 69:1, 105:18, fi Isa. 5:14 keessatti mormi bishaaniin liqinfamuuf yaada jedhu qaba (jechuunis, du’uu namaa) .

■ **“margi bishaan keessaas”** Jecha kana (BDB 693) jechuun soogidda bishaanii; marga galaanaa; yookaan jajjaba bishaan qulqulluu keessa jiru. Asitti mul’inatti hiika jalqabaa ti. Yaadni kanaa Yoonaas nyaatamaa jira; bishaanii fi marga galaanaatiin hudhameera. Inni gara warra du’aniitti gadi bu’aa jira.

**2:6 “Yommu an gara hundee tullootaatti”** Kakuu Moofaan Si’oliin ibsuudhaaf kallattii mul;ataa “gara-gadii” isa jedhu gargaarama(BDB 432, KB 434, *Qal* PERFECT Lak. 16:30,33, Faar. 55:15, Isa. 5:14, 14:19). Si’olii fi “boolli” (BDB 1001) kan wal fakkaatanii dha ( Faar. 30:3) . Kun Yoonaas wanta garaa lafaa jala jiruuf fakkeenya Yesuus yaada isaa akka kennuuf sababii kan ta’e (Mat. 12:40-41, Luq. 11:30). Yoonaas gara du’aa akka dhaqaa jiru amanee ture, Waaqayyo garuu araara itti argisiise! Murtiin Waaqayyoo jecha isaa isa dhumaa miti. Adaba isaa keessatti kaayyoo qaba ture.

■

NASB, NRSV,

TEV, NJB

“undee gaarotaa”

NKJV

“kuta gaarotaa hin qotamin”

Jechichi (BDB 891) “muruu” yookaan “sirreessau,” dha garuu yaada walii gala isaa keessatti akkas jechuu miti. lallaba 16:19 (Dhaloota Kiristoos dura bara 180tti kan barreeffame) jechuun “undee lafaa” BDB akka maleetti hiika kenna. Namoonni durii seensi Si’ol galaana jala (lafa jala) akka ta’etti amanu, akkasumas tullootaa gaditti. Yoonaas du’aa fi seensa si’ol, boolla eega ture. Jechi kun “balbalootaa” fi “boolla” waliin walfakkummaa walaloo qaba jechuu dha.”

■ **“ gara biyya danqaraa isa bara baraan ana irratti cufametti”** “balbaloota” (BDB 138) inni jedhu yeroo baay’ee seensa isaa argisiisa. Kun akka mana hidhaa warra du’an qabuu isa danda’u si’oliif fakkeenya; namni yoo itti gale Bau isa hin dandeenye(fakkeenyaaf; IISamu. 12:23; Iyo. 7:9- 10; 10:21).

■ **“Lubbuu koo boolla keessaa baafte” Gochimi kun** (BDB 748; KB 828, *Hiphil* IMPERFECT) sirriitti faallaa “gadi bu’uuti” (yookaan “gadi akka bu’u taasisuu”).

2:7

NASB

“nan dadhabe”

NKJV

“lubbuun koo na kessatti laabbofte”

NRSV

“lubbuun koo na keessaa sokkite”

TEV

lubbuun koo akka ana keessatti dadhabdetu natti dhaga’ama”

NJB

“dadhabbiin lubbuu koo dabalaa dhufe”

Gochimicha (BDB 742, KB 814, Owen’s *Analytical Key kan dda baasu Hithpael* PERFECT akka ta’ee dha. *OT Parsing Guide* isa kan adda baasu kan akka *Hithpael* INFINITIVE CONSTRUCT; fi NIV Interlinear Kohlenberger isa kan adda baasu kan akka INFINITIVE dha).

Jechichi ofuma isaatii dabaluu dadhabbiin yookaan laabBau jechuu dha, akka miira du’aa (fakkeenyaaf, Isa. 57:16).

■ **“Waaqayyo koo ani sin yaadadhe”** namoonni Kakuu Moofaa Gooftaa fi gaarummaa isaa akka yaadataniif irra deddeebi’anii yaadu(BDB 269; KB 269*Qal PERFECT*) (fakkeenya; Kes. 8:11-20; Faar. 77:11-12) . karaa biraa Waaqayyo; cubbuu fi jal’ina namootaa dhiisuu barbaada (hundumti isaa fakkeenya dhiisuu isaatii akka ta’e hubadhu; Faar.103:3;11-13; Isa. 1:18; 38:17; 43:25; 44:22; Mik. 7:19) .Hos. 7:2 fi 8:13 irra yaadannoo jiru ilaali.

**2:8 lakkoobsi kun yaada walii gala kutaa kanaa ala fakkaata.** Tarii Faar. 31:6 kan caqasuu ta’uu danda’a. Tarii waaqa tolfamaa waaqessuu Nanawwee kan ibsu ta’uu danda’a. Tarii Yoonaas maaliif magaalaa guddittii Asooritti akka lallabuu dhiise ibsuudhaaf yaalaa kan jiru ta’uu danda’a.

■

NASB, NRSV **“waaqota tolfamoo”**  
 NKJV, TEV **“kan gatii hin qabne waaqota tolfamoo”**  
 NJB **“Waaqayyoli sobaa”**

Gaalee kana keessatti hiika baay’ee walitti dhiyoo ta’e kan qaban jechoota lamatu jiru, yaadicha kan ulfaachisan(kan cimsan) .

1. “waa’ee hin baasu” (BDB / 996) sana jechuun “waan duwwaa” “hoomaa kan hin qabne,” yookaan “gatii dhabuu” (fakkeenya, Faar. 31:6, Erm. 18:15)
2. “waaqota tolfamoo” (BDB / 210) jechuun “urka,” “hafuura,” “gati dhabeenyaaf” fakkeenya kan ta’e (fakkeenya, Kes. 32:21,I Moot. 16:13,26, Faar.31:6, Isa. 57:13, Erm. 8:19, 10:8,14-15, 14:22, 51:17-18) .

■

NASB **“amanamummaa isaanii dhiisaniiru”**  
 NKJV **“araara isaanii dhiisaniiru”**  
 NRSV **“amanamummaa isaanii isa dhugaa dhiisaniiru”**  
 TEV **“amanamummaa siif qaban gananiiru”**  
 NJB **“jaalala isaanii isa amanamaa gananiiru”**

Gochimichi (BDB 736,KB 806, qa’aalii hin raawwatamin/*Qal IMPERFECT*) “dhiisuu” (fakkeenya, Uuma. 2:24) “dagataniiru” (fakkeenya,Kes. 28:20, 31:16, Abo. 10:10, Isa. 55:7, Erm. 1:16) , “gatuu.”

Gaaffiin yaada walii galaa, “gaaleen kun isaan kana kan ibsuu dha?

1. Ilmaan namootaa jaalala gaarii Waaqayyo irra argatan (jechuunis, yaada walii gala macaafichaa 4:2)
2. Amanamummaa ilmaan namootaa Waaqayyo isaaniitti argisiisuu qaban (jechuunis, yaada walii galaa isa kallattii, lakk. 7,9)?

**2:9 “sagalee galataatiin, aarsaa siif nan dhiyeessa; wanta ani wareeges nan baasa;” tarii kun aarsaan Yoonaas horii osoo hin ta’in jechaan ta’uu isaa argisiisa.** Yaadannoo Hos.14:3 ilaali.

Gochimi kunii (BDB 256, KB 261, *Qal COHORTATIVE*) fi “nan baasa” (BDB 1022, KB 1532, *Piel COHORTATIVE*) , Jechootni lamaan Yoonaas gara mana qulqullummaa Yerusaalemitti yeroo deebi’u gochuu kan qabu waadaa jajjaboo dha (/BDB / 623, jechuunis, kenna galataa dhiyeessa) , 1:16 irratti warri markaba oofan Yaaweef(YHWH) kan dhiyeessan.

■ **“fayyisuun kan Waaqayyoo ti”** jechi Ibrootaa “fayina” jedhu(BDB 447) dursa kan argisiisu fayyina hafuuraa osoo hin ta’in fayyina qaamaa/foonii ti(fakkeenya; Faar. 3:8; Isa.45:17 hubadhu) (jechuunis; yaada itti fayyadama Kakuu Moofaa) . Yoonaas qurxummii keessaa baasuu barbaade! Yaaween (YHWH) Nanawween akka isa bartu barbaade(ilaalcha Kakuu Haaraa). Yoonaas barsiisa dubbii Waaqayyoo isa sirrii ni beeka; jecha sirriidhaan afaan isaa guuteera; garuu immoo hojiitti jijjiiruudhaaf fedhii hin qabu!

## Yoonaas: 2:10

<sup>10</sup>Waaqayyos qurxummicha abboome<sup>†</sup> innis Yoonaasiin gara lafa gogaatti baase tufe.

**2:10 “Waaqayyos qurxummicha abboome”** በዮናስ ያህዌ (YHWH) አዘዘው እና ተጠቀሙ (1) qilleensaa fi bubbee, (2) qurxummii guddaa, (3) muka, (4) raammoo, fi (5) qilleensa lafa onaa. Isaan kun Waaqayyo (1) ol aantummaa isaa, (2) jaalala inni saba warreen biroof qabuu, fi (3) ofittummaa Yihudootaatiif dheekkamsa isaa argisiisuuf itti dhimma ba’e.

■ **“tufe” kun Ibroota biraatti jecha jabaa gadheedha**(BDB / 893, KB 1096, hiifilii hin raawwatamin/*Hiphil IMPERF ECT*/, Isa. 19:14, 28:8) . Kun kadhata Yoonaasiif walitti fufiinsa kan qabu deebii Yaawee(YHWH) ta’uu ni danda’a!

# YOONAAS 3

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Yoonaas Nanawwee irratti lallaba 3:1-4	Yoonaas lammaffaa Nanawwee irratt akka lallabuuf waamamuu isaa (3:1-4:11)	Yoonaas Waaqayyoo abboomama 3:1-4	Jijjiiramuu Nanawwee fi araara Waaqayyoo 3:1-10
Amanuu namoota Nanawwee 3:5-9 3:10	3:1-5 3:6-9 3:10	3:5 3:6-9 3:10	

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABANNA GAALEE FI JECHAA

#### Yoonaas: 3:1-4

**1 Ergasii dubbiin Waaqayyoo si lammaffaa gara Yoonaas dhufe, 2" Ka'I, gara Naanawwee mandaraa guddittii dhaqi, wanta ani akka ati labsitus sitti himu irratti labsi!" jedhe. " 3 Kana irratti Yoonaas akkuma Waaqayyoo isatti himetti ka'ee gara Nanawwee dhaqe; Nanawween fuula Waaqayyoo duratti iyyuu mandara baay'ee guddoo turte, gar-tokkoon lixanii gara kaaniin Baudhaaf adeemsa guyyaa sadi'ii ni fudhata ture 4 Yoonaas mandarattii keessa lixuu jalqabe, adeemsa guyyaa tokkoo erga adeemee booddee, " Nanawween garagaluudhaaf guyyaa afurtama duwwaatu hafe!" jedhee labse."**

**3:1 "Dubbiin Waaqayyoo gara Yoonaas dhufe" kun** 1:1 kan calaqqisiisuu dha. Yoonaas akka kanatti ijaarama Ergama isaa isa jalqabaa(boqonnaa 1-2) ergama isaa isa lammaffaa waliin(boqonnaa 3-4) walitti bu'a. "lammaffaa" hoho; ayyaanni Waaqayyoo lamaan isaanii Nanawwee fi Yoonaasiif!

**3:2 "Ka'iitii, dhaqi" qa'aaliin ajajaa kun lamaan/Qual IMPERATIVES/** 1:2 waliin walitti dhiyaatu. Waaqayyoo aboo isaa irra deebi'e.

■ **"Magaalaa guddaa"** 1:2 irra yaadannoo "guddaa" (BDB 152) ilaali.

■ **“lallabi”** 1:2 waliin kan walitti dhiyaatu qa’aalii ajajaa(*Qal* IMPERATIVE (BDB 894; KB 1128) . Qabiyyeen lallabichii asitti hin ibsamne. 1:2 keessatti kaayyoon mul’achuu isaatii hammeenyi Nanawwee fuula Waaqayyootti guddaa ta’uu isaati.

■ **“gara”** Garaagarummaa xiqqoo fakkaata; garaagarummaa isaa garuu akka Macaafa Qulqulluutti 1:2 iraa sirriitti kan beekamuu dha. Duragaleen (PREPOSITION) 1:2 keessatti “irratti” (BDB 752) inni jedhu assitti immoo“tiif” (BDB 39) isa jedhutti jijjiirameera. Nanawween firdichaaf deebii sirrii kenniti jechuudhaan Waaqayyo balbala isaa isheedhaaf banaatti jira.

**3:3 Himni jalqabaa kun** 1:3 irra isa jiru gocha Yoonaas waliin tasumaa kan wal argu miti. Waan attamiiti garaagarummaa kutaan garaa qurxummii keessa jiru kan uume!

■ **“Baay’ee magaala guddoo”** (Masoretic Text) “Waaqayyoo” isa jedhu qabatee jira(Yaadannoo itti fufee jiru ilaali). Kun Waaqayyo ilmaan namootaa hundaaf of eeggachuu isaa argisiisa(Uma. 12:3; 22:18; 26:4; Ba’u. 19:5; His. 18:23;32; Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; I Xim. 2:4; 4:10; II Phe. 3:9; I Yoh. 2:2; 4:14) ! Barreessaan Macaafa Yoonaas yeroo baay’ee maxxantuu “guddaa” jedhu fayyadama. Yaadannoo 1:2 irra jiru ilaali.

■

NASB -----  
 NKJV -----  
 NRSV -----  
 TEV -----  
 NJB -----

**JB (yaadannoo miiljalee)** “Waaqayyo duratti guddoo dha”

**ABPS** “Waaqayyo duratti”

**Peshitta** “ argamuu Waaqayyootiin”

**Rotherham** “Waaqayyo duratti”

**Young’s Literal** “Waaqayyo duratti”

**JPSOA (yaadannoo miiljalee)** “kallattiidhaan, ‘magaalaa gudditti Waaqayyoo”

Namoonni gara afaan Ingiliffaatti hiikan maaliif, gaalee “gara Waaqayyootti” jedhu akka ambisan sirriitti ifaa miti. Akkasumas kun maal jechuu akka ta’e yookaan maal akka argisiisu ifaa miti. Cubbuun nanawwee fuula Waaqayyootti ol ba’ee ture, garuu xumura isaa ti.

Filannoo biraan waa’ee Waaqota tolfamoo waaqeffachuu fi cubbuu Nanawwee kan dubbatu gaalee “gara waaqota tolfamootti,”jedhu ilaaluu dha.

Haa ta’u malee, 1:2 keessatti durgalli “farra” jedhe 3:2 keessatti “gara” isa jedhutti jijjiiramuun isaa filannoo kana gatii dhabsiisuu fakkaata.

■ **“Deemsa guyyaa sadi’ii”** waa’ee kallattii teessuma lafa nanawwee morkiitu jira.

Barreessitoota Macaafa Qulqulluu osoo hin ta’in barreessitootni laatiin isa durii naannawaan ishee maayilii 60 akka ta’ee fi masaraa ishee keessa ommoo gamoowwan 1500 ijaaramanii akka jiran ibsu. Masaraawwan ishee dheerina meetira 100 kan qabanii fi bal’ina konkolaataan fardaan arkifamu sadii ta’ee irra adeemuu danda’u qabu ( 4<sup>th</sup> century Diodurus Sicucus /) . Qorannaan arki’oologii ammaa bal’inni naannoo isheetii maayilii 8 gadi akka ta’etti kaa’u. Gaaleen kun magaalichaa fi gandeen naannoo sana jiru of keessatti ammata. Guyyootni sadii tarii (1) walakkaa guyyaa guyyoota lamaa fi guutummaa guyyaa tokkoo jechuu ta’uu ni danda’a, (2) magaalicha naanna’ee bakka garaagaraatti lallabuudhaaf deemsa Yoonaas taasisu ta’uu ni danda’a; yookaan (3) magaalichaa fi hawwaasa naannichaa walitti qabata.

**3:4 “Iyyee”** gochimi kun qa’aalii hin raawwataminii dha(BDB / 894) *Qal* IMPERFECT). Tokko inni afaan Aramaa’ik(Aramaic) dubbachaa akka ture yaada.

Inni afaanota shan qofa dubbachaa ture. Kun lallaba “ariifachiisaa” hin turre. Kun labsii “ariifachiisaa” ture.

■ **“Guyyoota afurtama”** kun guyyoota murtaa’oo dheeroo ta’an ibsuudhaaf Macaafa qulqulluu keessatti lakkoobsa beekamee dha (ji’a tokko kan caalu; garuu asmara tokkoo gadi; Fakkeenya; ba’u. 24:18; 34:28; Lakk. 13:25; Kes. 9:9;11;I Sam. 17:16; I Mot. 19:8) . Yeroo baay’ee yeroo qorumsa yookaan firdii waliin wal argata.



1. Bishaan badiisaa, Uuma. 7:4
2. Deemsa lafa onaa Israa’el, Ba’u. 16:35, Faar. 95:10
3. Soomii musee, Ba’u. 24:8, Kes. 9:9,11
4. Namoonni Filisxeem kan isaan Israa’eliin bitan, Mot. 13:1
5. Soomii Eliyaas, I Mot. 19:8
6. Gochaawwan fakkeenya Hisqeel, His. 4:6
7. Firdii Waaqayyoo Nanawwee irratti, Yoonas 3:4
8. Soomii Yesuus, Mat. 4:2

Haala nama dhibuun Macaafa qulqulluu isa Beektota torbaatamaan(the Septuagint) barreeffame irratti “guyyoota sadii.” jedha.

■ **“Galagaggaluudhaaf” xumurri gochaa kana fakkaatu** (BDB 245; KB 253; *Niphal* PARTICIPLE) yeroo Waaqayyoo Sodomiin balleessuudhaaf jedhe Uuma. 19:29 irratti itti dhimma ba’ameera( maqaa isa BDB 246 irra jiru)

Kan inni argisiisuu danda’u:

- 1 Algaarummaa (“deebi’uu,” jechuunis, akkaataa bal’aa ta’een fayyadama hedduuwwanii, Amo. 11:8-9)
- 2 Alta’a (“garagaluu” yookaan “garagaggaluu,”Dhaloota Kiristoos dura 621tti raawwatee ture.)

Waaqayyoo biraa galaana keessatti( 4:2) ,karaa Yoonas kan dhufe ergaan Waaqayyoo firiwwangaariidhaaf fuulcha ture, akkasumas Yoonasis hubatee ture (lakk. 2, 4:1-4) .

### **Yoonas: 3:5-9**

<sup>5</sup> warri Nanawwee dhaamsa Waaqayyoo kana amananii fudhatan; gurguddaan, xixinnaan is akka soomaniif labsan, uffata gaddaas ni uffatan. <sup>6</sup> Dubbiin kun mootii nanawweebira ni ga’e, yommu inni teessoo isaa irraa ka’ee, uffata isaa isa surra qabeessa of-iirraa fuudhee, uffata gaddaa uffatee daaraa keessa ni taa’e. <sup>7</sup> Achumaan mootichi guutummaa mandara Nanawweetti labsiin akka labsamu ni godhe; labsiin ba’e sunis, “mootichaa fi gurguddoota isaa biraa akka abboomametti namni, sa’I, bushaa’een, horiin qe’ee warri kaanis, waa afaaniin hin qabin, marga hin dheedin, bishaani iyyuu hin dhugin! <sup>8</sup> Namni fi horiin gadda haa uffatan, jabeessaniis gara Waaqayyooti haa iyyan; namni adduma addaan karaa isaa isa hamaa irraa, irree isaa isa nama irratti argisiisu irraas haa deebi’u ! <sup>9</sup> Waaqayyoo isa fiduuf yaade dhiisee ni deebisa ta’aa, maaltu beekaa? Akka nuti hin badnettis aarii isaa isa finiin irraa ni deebi’a ta’aa” kan jedhu ture.

**3:5 “Namoonni Nanawwees Waaqayyotti amanan”** kun lakkoobsa rifaasisaa dha. Namoonni Nanawwee waa’ee Waaqayyoo (*Elohim*) beekumsa xiqqoo qabu turan. Namoota markaba oofan boqonnaa 1 irratti argamanii gadi kan ta’e beekumsa qabu. Ta’u iyyuu Waaqayyoo amantii isaanii fudhaatee firdii isaa deebise(4:11 ilaali) !Xumurrigochaa (/BDB / 52, KB 63) “amantii,” jedhu kun maal jechuu dha ? Jalqaba jabina, dhaabbatummaa, fayyummaa waan tokkoo ibsa. Amanamummaa, irkattummaa, kan amanamu ta’uu isaa, dhugummaa waan tokkoo yookaan nama dhuunfaa itti dabaluuudhaan guddisa.

Macaafota Musee keessatti fayidaa isaa hubadhu(Rom. 4 fi Gal. 3 keessatti Phaawuloos qajeelummaan ayyaana amantiidhaan kennamu ta’uu isaa mirkaneessuudhaaf barrffamoota Kakuu Moofaa kana fayyadama) .

1. Abirhaam waa’ee mucaa dhufuu Waaqayyotti amane (YHWH) , (Uuma. 15:6) .
2. Israa’el Waaqayyoo fi ergamoota isaatti amane (Ba’u. 19:9) .
3. Museen amanamaa dha (Lakk. 12:7) .
4. Waaqayyoo amanamaa dha (Kes. 7:9) .
5. Amanachuu
  - a. Bifa alta’atiin(negative)
    - (1) Isaraa’el Waaqayyoo fi sagalee isaa hin amanne turte (Lakk. 14:11,Kes.1:32, 9:23) .
    - (2) Musee fi Haaron Waaqayyoo fi sagalee isaa hin amanne turan (Lakk. 20:12) .
    - (3) Yoseef jireenyatti akka jiru Yaaqob hin amanne ture (Uuma. 45:26) .
    - (4) Israa’el Musee hin amanne turte (Ba’u. 4:1,5,8,9,31) .
    - (5) Israa’el amanamummaa hin qabdu(Kes. 28:66) .
  - b. Algaarummaadhaan
    - (1) Israa’el Waaqayyoo fi namoota sagalee isaa fidanitti amante(Ba’u. 4:31) .

Isaan mul'inatti tarreeffaman kun jechootni Ibrootaa (Hebrew) barbaachisaa fi adda-adda ta'uu isaa argisiisa. Keewwata ifaa ta'e niidootiidhaan(NIDOTTE) , jildii 1, fuula 427-433 ilaali. Garaagarummaan wal fakkataan kun Kakuu Haaraa Ko'in Giriikii(Koine Greek) keessattis itti fufa(mata duree addaa itti fufee jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: AMANII, AMANUU, YKN ABDACHUU (Pistis [MAQAA], *pistevō*, [GOCHIMA], *pistos* [ADJECTIVE]**

- A. Inni kun jecha Macaafa Qulqulluu keessatti barbaachisaa ta'eedha (cf. Ibr. 11:16). Inni mata duree lallaba Yesuus jalqabaati (cf. Maarqoos 1:15) xinnaatee xinnaate gaaffiilee kakuu lamatu jira, qalbii diddiirranaa fi amantii (cf. 1:15; HoE 3:16,19; 20;21)
- B. Hiika maddaa fi seenaa isaa
1. Jechi “amantii” jedhu Kakuu Moofaa keessatti amanamummaa, abdiin kan irratti gatamu ta'uu, yookiin kan amantiin irratti gatamu ta'u isaa fi Waaqayyoo wajjin kan ibsamuudha, nuyin wal qabatee otuu hin ta'in.
  2. Inni jecha Ibruu (*emun, emunah*, BDB 53), hiikkaa isaas “sirrii ta'uu ykn kan hin tochoone ta'uu” jedhu irraa dhufe. Amantii fayyisuun qabeenya sammuu (qajeelfama dhugaa), jireenya safuu (toftaa jireenyaa). Fi jalqabumaa kan walitti dhufu filachuu (murteessuu) nama sanaati.
- C. Fayyadama isaa Kakuu Moofaa  
Amantiin Abrahaam Masihii fuulduratti dhufurratti akka hin turre xiyyeeffannaan kan itti kannamu ta'uu qaba, kakuu Waaqayyoo isa inni ilmaa fi sanyii/qaccee akka qabaatuuf galameefi malee. 9cf. Uma. 12:12, 15:2-5; 17:4-8; 18:14). Abrahaam Waaqayyooti amanuudhaan kakuu kanaaf deebii ni argate. Inni ammayyuu waa'ee Kakuu, kanaa, isa galmaan ga'uuf waggoota soddoma fudhatee kanaa shakkii fi rakkolee ni qaba ture. Amantiin isaa inni guutuu hin taane sun, haata'u malee Waaqayyoon fudhatamee ture. Waaqayyo dhala namaa waan hundumaan dadhabaa ta'e isa Isa ykn kakuuwwan Isaa amantiidhaan, hammamiyyu hamma ija sanaaficaa ta'ullee 9cf. Mat. 17:20) deebisuuf isa wajjin hojjechuuf ni fedha.
- D. Fayyadama isaa Kakuu Haaraa Jechi “amaname” jedhu, jecha Giriikii (*pistevō*) isa dabalataanis “amanuu”, “amantii” ykn “abdachuu”tti hiikamuu danda'u irraa argame. Fakkeenyaaf MAQAAN Wangeela Yohaannis keessatti hin mul'atu, garuu GOCHIMIMNI yeruma hundaa faayidaarra ni oola. Wangeela Yohaannis 2:23-25 keessatti akka amanamummaa carraaqii maccaatti Yesuus Nama Naazreet akka Masihiiitti fudhachuuf wanti shakkisiisu wayii jira. Fakkeenyonni kan biroo beekumsa gadi fagoo hin qabne itti fayyadama jecha “amanuu” Wangeela Yohaannis 8:31-59 fi HoE 8:13, 18-24 keessa jiru. Amanamummaan Macaafa Qulqulluu inni dhugaa deebii jalqabaa ni caala. Inni adeemsa duuka buutummaatiin hordofamuu qaba (cf. Mat. 13:20-22, 31-32).
- E. Faayidaa isaa FIROOMSEEWAN (prepositions) wajjin
1. *Eis* jechuun “...Gara keessaa” (B)dha.Caaseffaamni garaagaraa kun cimsa kan kennu amantoonni amntii isaaniittiif amanamuunsanii gochuu kan isaan qaban Iyyesuus irraddha.
    - a. Maqaa isaatiin (Yohaannis 1:12, 2:23, 3:23, 3:18, 1 yohaannis 5:13)
    - b. Isaan Yohaannis 2:11, 3:15, 4:39, 6:40, 7:5, 31, 39, 48, 8:30, 9:36, 10:42, 11:45, 48, 17:37, 42, Maatiwoos 18:6 Ergamoota 10:43; Filippi siyuus 1:29; 1a Pheexiroos 1:8)
    - c. Anaan (Yohaannis 6:35, 7:38, 11:25, 26, 12:44, 46, 14:1, 12, 16:9, 17:20)
    - d. Ilmasaatiin (Yohaannis 3:36, 9:35; 1a Yohaannis 5:10)
    - e. Iyyesuusiin (Yohaannis 12:11; Ergamoota 19:4; Gala 2:16)
    - f. Ifa issan Yohaannis 12:36
    - g. Waaqayyoon (Yohaannis 14:1)
  1. *En* jechuun “keessa” dha. Akka yohaannis 3:15; Maarqos 1:15; Ergamoota 5:14
  2. *Epi* jechuun “keessa” yookaan “Irra” dha. Akka Maatewoos 27:42, Ergamoota 9:42, 11:17, 16:31, 22:19, Rom4:5, 24, 9:33, 10:11, 1a ximootiwoos 1:16, 1 pheexiroos 2:6.
  3. Kallaattiin kan hin taane maqibsa boodaa Walitti hidhumsa akka Gala 3:6 Ergamoota 18:8, 27:45, 1a yohaannis 3:23, 5:10
  4. *hoti*, Hiikoon isaa “kana mane” Maal akka amne qabiyyee isaa kan agarsiisu.
    - a. Iyyesuus Qulqulluu Waaqayyoo ta'uu isaa (Yohaannis 6:69)
    - b. Iyyesuus kan jiruuf kan jiraatuudha. (Yoha. 8:24)
    - c. Iyyesuus abbaa keessa jira, Abbaanis yesuus keessa jera (Yohaannis 10:38)
    - d. Iyyesuus Masichadha. (Yoha. 11:27, 20:31)

- e. Yeesuus ilma Waaqayyoti (Yoha. 11:27, 20:31)
- f. Yesuus kan ergame Abbaa dhaan (Yoha. 11:42, 17::8, 21)
- g. Iyyeesuus Abbaa wajjin jira (Yoha. 14:10-11)
- h. IYeesuus Abbaa biraa dhufe (Yoha. 16:27, 30)
- i. Iyyeesuus ofii kakuu maqaa abbaati. “Anadha” jedhee ibseera (Yoha. 8:24, 13:19)
- j. Nutis isaa wajjin jiraanna (Rom6:8)
- k. Iyyeesuus du’ee ka’eera (1a Teseloonqee 4:14)

❑ **“Sooma.....maaqii uffate.....awwara keessa taa’e”** isaan kun mallattoolee gaddaati (fakkeenya; II Sam. 3:31; I Mot. 21:27; II Mot. 6:30; Neh 9:1) fi fakkeenya qalbii jijjiirratnaa sabaati (fakkeenya; Kes.9:9;18;25; I Sam. 6:7; Iz. 10:6; Nah. 9:1; Erm.36:6-9; Iyo. 2:12) . Zondervan *Pictorial Encyclopedia of the Bible*; jildii. 4; fuula 302-307 ilaali.

❑ **“Xixinnayyootaa amma gurguddootaatti”** kun uummata hundumaa kan walitti qabatu qofa osoo hin taanee horiis ni dabalata(lakk. 7-8) .

Gaaleen kunis harboomsuu Yoonas irratti raga dabala. Seenaa dadammaqiinsaa keessatti yeroo tokkoo tokkoon nama hawwaasa keessaa jiruu itti amanee fi qalbii jijjiirrate hin jiru!

**3:7 “Hooriin, loowwanii fi hoolonni waa tokko afaaniin hin qabin, gara dhiidichaatti hin bobba’in, bishaanis hin dhugin”** Yeroo murtaa’aan hin kennamne ture, garuu lubbu qabeeyyiin bishaan malee guyyaa lama yookaan sadi’ii ol itti fufanii jiraachuu hin danda’an.

**3:8**

**NASB, NKJV**

**NRSV**

**TEV**

**NJB**

**“Bineensa”**

**“Bineelada”**

**“loonii fi hoolaa”**

**“Hundi” (namaa fi bineelada argisiisa)**

Bineeladi ilmaan namootaa waliin tokkummaa uumuudhaaf (Uuma. 1-2) mul’inumatti isa kana miidhuudhaan naasuudhaan bakka bu’e, garuu kan kanatti bu’ee fi tokkummaan sodaan akka bakka bu’u kan taasise kufaati (Uuma.3) dha. Tokkummaan kun ni haara’a (fakkeenya, Isa. 11:6-9, 65:15, Hos. 2:18).

Waaqayyo bineeladoota uumeera (Iyo. 38:39-40:34) isaan jaallatas (4:11). Ibsi Uuma. 1-2 osoo ta’ee akkasumas immoo ibsi Mul’ata Yoh. 21-22 jiru immoo itti fayyadammi isaa kallattiidhaan osoo ta’e mootummaan Waaqayyoo Eden ishee haarofte taati turte (tokkummaa jabaataa addunyaa ergamootaatti, addunyaa ilmaan namootaattii, fi bineeladoota gidduutti)!

❑ **“Gara Waaqayyootis guddisanii haa iyyan.....tokoo tokkoon namaa hojii isaa isa hamaa irraa haa deebi’u”** Jechi kun haalli qalbii jijjiirratnaa kanaa bifa lamaan akka ta’eedha, tokkummaa fi akka dhuunfaatti ta’uu isaa argisiisa. Fayyinni roga lama qaba amantii fi qalbii jijjiirratnaa dha (mata duree addaa Amo. 1:3 irraa ilaali; fakkeenya; Mar. 1:15; Erga. 3:16; 19; 20:21). Yesuus barbaachisummaa qalbii jijjiirratnaa Mat. 12:41 fi Luq. 11:32 irratti jabeesseera. n Wanta Israa’el gochuudhaaf fedhii dhabde keessaa kun isa tokko( Erm. 18:8) . Hubadhu waligala maqaa Waaqayyootiif kan itti dhimma ba’ame Elohiimii (*Elohim*); dha.

**3:9**

**NASB, NRSV,**

**NJB**

**NKJV**

**TEV**

**“Maaltu beeka”**

**“Eenyutu dubbachuu danda’a”**

**“Tarii”**

Maqadhaali “eenyu” jedhu (BDB 566) fi gochimi “beekuu” (BDB 393, KB 390, *Qal PARTICIPLE*),jedhu bifa gaaffiitiin dhiyaatu kun , jechama danda’uu ibsu dha (fakkeenya, II Sam. 12:22, Ast. 4:14, Yo’e. 2:14) .

❑ **“Ni deebi’a”** jechi kun namoota Nanawweetii fi Waaqayyootiif itti dhimma ba’ameera (it was used in the king’s edict in lakk. 8; lakk. 9 irratti yeroo lama; fi dabalata lakk. 10). Kun qalbii jijjiirratnaaf Kakuu Moofaa keessatti jecha walii galaati (BDB 996; KB KB 1427) . Waaqayyotti kan bu’u (1) Deebii ilmaan namootaa sagalee isaatiif qabanii fi (2) kadhata amantootaa. Qalbii jijjiirratnaan Macaafa qulqulluu jijjiirama sammuu (jecha

Warra Girikii) kan ilaallatuu fi jijjiirama gochaa (jecha warra Ibrootaa) kan hordofamuu dha. Mata duree addaa ilaali: Qalbii jijjiirratnaa Kakuu Moofaa Amos 1:3.

■ **“Gaabbii”** hundeen kun (BDB 636; KB 688; *Niphal* PERFECT) kallattiidhaan “dheeressanii hafuura baafachuu” jechuu dha. Hafuura ulfaataa argisiisa. Kun maqaa raajicha Nahoom waliin hundee tokko irraati.

Kun gaalee Waaqayyoon akka namaatti ibsuu dha (fakkeenya, Ba’u. 32:14, Faar. 106:45, Erm. 18:8, Amo. 7:3,6 fi Hos. 11:8-11 hubadhu) . Kun fakkeenya gaarii kan ta’u

1. Walabummaa Waaqayyootiif

2. Kakuuwwan haala irratti hunda’an deebii namootaa isa sirrii gaafata

Murtoon dursaa filannoo walabaa namaa waliin wal madaaluu qabu. Dhugaattuu Waaqayyo ni beeka, garuu mucaa namaa qaama fedhii walbaa qabu taasisee uume. Haala tokko tokkoon gochi Waaqayyoo gara fuula duraa fedhii keessaa, filannoo, fi gocha namootni amma qabaniin murta’a. Raajiin kan haalaan murtaa’aa ta’eefis kanuumaaf (raajiin waa’ee Masiyiyii akkas miti. Raajiin Yoonaas hin raawwatamu ture! Raajiin hundumti iyyuu haaleffama qabu (cf F F Bruce, *Answers to Questions*, fuula 129-130 fi *Hard Sayings of the Bible*, fuula 70-75

■ **“Nutii akka hin badneef”** kun jecha ajajaa markabichaa 1:6 irra jiru waliin kallattiidhaan wal fakkaata.

### **Yoonaas: 3:10**

**10 Waaqayyo kana gochuu isaanii, karaa isaanii isa hamaa irraa deebi’uu isaaniinis ni arge; kanaaf inni wanta hamaa isaanitti fiduudhaaf dubbate sanas ni dhiise, irrattis hin fidne.**

**3:10 “Waaqayyos ni gaabbe”** kun dheekkamsa isaa isa cimaatiif deebii kennuudhaaf fedhii isaa argisiisuudhaaf gaalee nameessuudhaan dhiyaatee dha—sanyiin namaa, bifaa fi fakkeenya isaatti uumameera! Tokkummaan Waaqayyo(hunda miti, fedhii namaatiin kan hin tuqamin karoora fayinaa isa bara baraa qaba) sanyii namaa waliin qabu hedduun haaleffamaa kan ta’uu fi miidhaa kan fidu amanti namootaa fi qalbii jijjiirrachuu (fakkeenya, Ba’u. 32:14, I Sam. 15:11, Erm. 26:3,13) deebii isaan qabaniidhaan.

# YOONAAS 4

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Aarii Yoonaasii fi gaarummaa Waaqayyoo	Yoonaas lammaffaa Nanawwee irratt akka lallabuuf waamamuu isaa (3:1-4:11)	Aarii Yoonaasii fi araara Waaqayyoo	Aarii Raajichaa fi deebii Waaqayyoo
4:1-4	4:1-5	4:1-3 4:4	4:1-4
4:5-8	4:6-8	4:5-8	
4:9-11	4:9-11	4:9 4:10-11	4:5-11

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

### QAYYABANNA GAAL EE FI JECHAA

#### **Yoonaas : 4:1-4**

**1** Yoonaas waa'ee kanaaf baay'ee dallanee, aaree ni boba'es; **2** Yommus inni Waaqayyoon kadhatee, "maaloo yaa gooftaa, utuun biyya kootii hin ka'in, inni ani sodaadhe isuma kana mitii ree? Ati Waaqayyo araara qabeessa, ho'a qabeessa, aariitti suuta jedhaadha, gaarummaan kee baay'ee dha, wanta hamaa fiduuf jettes ni dhiifta; ani kana beekken harka si dursee Tarsheeshitti sokke. **3** Ammam immoo yaa Waaqayyo, ani jiraachuu irra du'a anaaf wayya, adaraa lubbuu koo ana keessaa fuudhi!" **4** Waaqayyo immoo deebisee, "ati aaruun siif ta'aa ree?" jedheen.

**4:1** "Kunis Yoonaasiin baay'ee aarse?" addeessii BDB 949) gochim(BDB / 949, KB 1269, *Qal IMPERFECT*) wal fakkaataa dha, hiika isaa guddaa kan taasisu(Nah. 2:10) . Waaqayyo Nanawwee oolchuu isaa irraa kan ka'e Yoonaas ni aare.

Yoonaas yeroo baay'ee yookaan irra deddeebi'ee ከጽ ባፋ jedhuun gargaarama.

1. Ammeenya isaanii, 1:2
2. Dhi'icha, 1:7,8, 3:10, 4:2
3. Gaddisiisaa 4:1
4. Muddama, 4:6

Jecha warri nanawwee itti fayyadaman Yoonaasis itti dhimma ba'eera ( *The Expositors Bible Commentary*, Jildii 7, fuula 385) . Waan faallaa attamiiti! Cubbuun ifa malee wanta biraa dha, garuu cubbuun ifa waliin irra caalaa kan ulfaatuu fi adabsiisuu dha (Luq. 12:48).

■ **“Ni aare”** gochimi Ibraayisxii kun “gubachuu” jechuu dha (BDB 354; KB 351; *Qal IMPERFECT* ; lakk. 1:4;9[yeroo lama]) . Guyyootni afurtamni erga dhume boodas Yoonaas ni aara ture. Nanawween qalbii jijjiirrattee Yaaween (YHWH) ishee baraara jechuudhaan yeroon sodaan Yoonaas ni ga'e ( 1:9; 4:2) ; garuu jaalalatu caalee mul'ata(ISena. 13:1-8) .

**4:2 “Ni kadhate”** ilaalcha aariitiin, Yoonaas gocha hammeenya isaa isa jalqabaa dhugoomsuudhaaf yaalii geggeessa ture (jechuunis, “gara tarseesittan miliqa isa jedhu raajii isaa”) .

■ **“Ati araara qabeessaa fi dhiifama kan gootuu dha”** Yoonaas kanaaf aaree ture (jechuunis; Waaqayyo cubbuu Asoori hin adabne) ! Araarri kun Yoonaasiin galaana keessaa kan oolche amala Waaqayyoo ti. Maddi Macaafa qulqulluu ibsa kanaa ba'u. 34:6 fi Lakk. 14:18-19; Nah. 9:17;31;32; Faar. 86:5; 15;103:8;11-13; 145:8; Erm. 32:18-19; fi Yo'e. 2:13. Jechootni Yoonaas itti fayyadamu kan Yo'el waliin wal fakkaata; raajiin Yo'el dhiibbaa irratti geggeessuun isaa hin oolle.

■ **“Gaarii”** addeessi jedhu(BDB 337) Waaqayyo qofaaf kan fayyaduu dha. “dhiifama kan godhu” (BDB 933) addeessi jedhu kan dhufe “gadameessa;” maqaa jedhu irraati; kunis jaalala maatii gadi fagaataa ta'e argisiisa(Hos. 1:6; 2:4 lakk. 2:19;23[yeroo lama]) .

■ **“Dheekkamsaaf suuta kan jedhu”** (BDB 74 fi 60) kan jedhu ijaarsi jechaa jechama, innis kallattiidhaan “funyaan dheeraa(fakkeenyaaf mul'inatti kan mul'atan qaawwaa funyaanii lakk. 14:18; Nah. 1:3) . Amalli Waaqayyoo jaalala; dheekkamsa kan hin ta'in (Isa. 28:21; Faaru Erm. 3:33) .

“Jaalalaan kan guute” caaseffama isaatiif (BDB 912 fi 338) Hos. 2:9 irra isa jiru mata duree addaa ilaali:

■ **“wanta hamaa fiduuf jettes ni dhiifta”** 3:9 fi 10 irra mata jiru ilaali.

**4:3 “lubbuu loo ana keessaa fuudhi”** fedhii du'aa(BDB / 542, KB 534,*Qal IMPERATIVE/*, Lakk. 11:15, ERm. 20:14-18, IMoto. 19:4) labsa kana keessatti kan ibsame ( 4:8) amala Yoonsaas gara qurxummii keessatti qaba yure irraa adda.

## **YOONAAS: 4:5-8**

**5 Yommus Yoonaas mandaricha keessaa ba'ee, mandaricha irraa gara ba'a biiftuutti goree taa'e; achitti godoo bal'aa walitti qabate, wanta mandarattiitti dhufu amma argutti gaaddisa isaa jala taa'e. 6 Yommus Waaqayyo gooftaan biqiltuun akka qobboo biqilee, gaaddisi isaa mataa Yoonaas irra buufatee dallansuu isaa akka itti fooyyessuuf godhe; Yoonaas immoo biqiltuu sanatti baay'isee ni gammade. 7 Borumtaa garuu yeroo boruun baqaqutti Waaqayyo, raammoon tokko biqiltuu akka qobboo sana akka ciniintu ni godhe; biqiltuun sunis ni goge. 8 yeroo aduun baatetti immoo Waaqayyo, qilleensi ba'a biiftuu inni gubaan akka isatti qilleensa'u ni godhe; aduunis amma Yoonaas gaggabutti mata isaa irra waraane; yommus inni, “jiraachuu irra du'a anaaf wayya” jedhee du'uu ni awe.**

**4:5 “godoo waltti qabate”** “godoon” kun qa'aalii dha(BDB 697) , Yeroo ayyaana gordommoo itti gargaaramaa kan turan iddoo buufataa yeroodhaaf itti dhimma ba'aa turanii dha(Lew. 23:40-42) . Waaqayyo biqiltootatti fayyadamuudhaan (tarii ija qobboo) garuu jechi kun yaada kana keessa qofaatti argama(lakk. 6) . Naannoo gammoojjiitti gaaddisi garaagarummaa digirii 60 ho'a keessatti fida! Kun amma iyyuu aarii Yoonaasii fi jaalala Waaqayyoo waliin madaalchisa.

**4:6 “ni qopheesse”** kun Waaqayyo asummati uume jechuu miti, inni garuu (BDB 584, KB 599, *Piel IMPERFECT*, lakk. 6,7,8) akka fiixaan baasuuf uumamaaf hojii kennee ture (1:17). Waaqayyo uumama ni to'ata (fakkeenya, Ba'u., 4:6, raammoo, 4:7, fi qilleensa gara ba'aa[ Uuma. 41:6] , 4:8, akkasumas qurxummii guddaa, 1:17) .

■ **“Yoonaas baay'isee ni gammade”** kun wal-qabsiiftuu(BDB 970; gochimaa fi maqaa wal fakkaataa dha); fakkeenya, lakk. 1, “baay'ee gadde” yookaan 1:16, “baay'ee sodaate.”

**4:8 “ Qilleensa guba gara Bahaa”** kun qilleensa awwaara kaasu agarsiisa, gubbaa, gogaa, awwaara’aa, gammoojjii kan dhufu qilleensa Bahaa isa jabaa( Ba’u. 10:13) , salphaatti baala kan gadi arcaasu. Yaada firdii keessatti fayyadamuun waan shaakalamee dha (fakkeenya, Faar. 48:7, Erm. 18:17, Izi. 17:10, Hos. 13:15) “Gubaa” jechi jedhu (BDB 362) Kakuu Moofaa keessaati asi qofa keessatti argama. BDB akka jedhutti, “ibsuudhaaf yaali tokko illee hin taasifnu.” Haa ta’u malee, KB 353, hiikaawwan durii kenna:

1. Septuagint, Peshitta , fi Vulgate iin “ho’aa/scorching” yookaan “bulluqaa” isa jedhu qabu
2. Aramaic Targumis “tasgabbaa’aa” isa jedhu qaba( NRSV)

Sirriitti KB (slightly changed the MT by one consonant) kanjedhu “sharp” yookaan “gubaa/scorching” (qilleensa) jechuun “gubaa” jechichi DSS keessatti yeroo tokko argama. Jechuun “qilleensa bahaa.”



NASB	“Inni dadhabee ture”
NKJV	“dadhabbiin isaa ni dabale”
NRSV	“dadhabee ture”
TEV	“dadhabuudhaaf jedha”
NJB	“Inni ni mo’ame”

xuqaan dammaquu dadhabuu kun(jechuunis, dadhabaa, Amo. 8,13) muuxannoo isaa isa garaa qurxummii keessaa deggera( 2:7). Asitti sababiin isaa biiptuu irraa dhufutuun dhukkubsatee ture (Isa. 49:10) .

### **YOONAAS: 4:9-11**

**9** Waaqayyo ergasii Yoonaasiin, “ati waa’ee biqiltuu sanaaf aaruu ni tolchitee?” jedhe; inni immoo, “ani amma du’aatti aaruuf iyyuu nan tolche” jedhee deebiseef. **10** Waaqayyo garuu, “ati biqiltuu waan tokko itti hin dadhabiniif, isa hin guddisiniif, isa halkan tokkotti ba’ee halkanuma tokkotti badeef immo ni gaddita; **11** mandara Nanawwee keessa namoota kumaatama dhibba tokkoo fi dhibba tokkoo fi kuma digdama irra caalanii fi horii qe’ee baay’ee jiraata; namoonni ishee keessa jiraatan sun warra bitaa fi mirga iyyuu gargara baasuu hin dandenyee dha; egaa ani immoo mandara guddittii namoonni fi horiin hammasii keessa jiraatan kanaaf garaan ana hin jibbuu ree?” jedhe.

**4:9-11 lakkoobsotni kun jaalala Waaqayyoo, ofittummaa Yoonaasii fi oftuummaa sanyiitiin akka mormu argisiisa.** Jalalli Waaqayyoo bineladootaafis kan ga’uu dha 3:8, 4:11) .

#### **4:10,11**

NASB	“gadduu.....gadduu”
NKJV	“Haddaa’ummaa.....hadhaa’ummaa”
NRSV, NJB	“inaafaa.....inaafaa”
TEV	“gaabbii.....garaa laafuu”

Gochimi kun (BDB 299, KB 298 *Qal* PERFECT, lakk. 10 fi *Qal* IMPERFECT,, lakk. 11) “gara laafina argisiisuu” yookaan “garaa jabaadhaan” jechuu dha. Isa. 13:18, Erm. 13:14, 21:7, His. 5: 11,7: 4,9, 8:18, 9: 5,10, 16:5, 24:14 bifa haal-gadheedhaan itti dhimma ba’eera. Kun Hose’aan kan itti fayyadame jecha “gara-laafina” (BDB 933, KB 216, 1:6, 2:4,19,23) jedhu waliin kan wal fakkaatu miti (BDB 933, KB 216, 1:6, 2:4,19,23) . Jechoonni fi gaaleewwan Yoonaas hedduun isaa Ho’el 2 irraa kan dhufe fakkaata, jechi kun akkasuma (Yo’el 2:17, jechuunis ,“ ukukkuruu”) .

**4:10 “halkan tokkotti ba’ee halkanuma tokkotti badeef immo ni gaddita ”** Gaaleen kun wantoota biyya lafaa yeroof ta’aniif dubbii jechamaa ti (Isa. 40:6-8) . Ilaalchi Yoonaas qaba ture kan yeroo ti, kan Yaawee (YHWH) kan bara-baraa ti. Yoonaas qopha galeessa ture, Yaaween(YHWH) ilmaan namoota warra akka fakkeenya isaatti uumamaniif kan yaaduu dha ( Uuma. 1:26-27) , amma isa irraa adda ba’eera( Uuma. 3, addumaan lakk. 15).

**4:11 “namoota 120,000 ”** namoonni tokko tokko lakkoobsi kun waliigala uummatichaa akka argisiisutti ilaalu, kaan gaalee isaa irraa kan ka’e, “hin beektanii” gaalee jedhu irraa kan ka’e ijoolota qofa akka argisiisu yaadu(fakkeenya, isa. 7:15). Xiyyeeffannoon yaada ijoo kanaa kan fakkaatu sabni gara jabeeyyiin kun

(Iammiiwwan) ija Waaqayyoo duratti kan irraanfatananii dha, ta'u iyyuu Waaqayyoon kan beekamee fi raajii kakuu caalaa waa'ee waan hafuuraatiif deebii kan kennanii dha.

## **DHUGAA OG-WAAQUMMAA YOONAAS**

- A. Ijoolleen Waaqayyoo isa irratti kan ka'anii fi ilaalcha sirrii hin taane qabaatu.
- B. Namoonnii hin amanani warra amanana caalaatti gara laafeyyiidhaa fi inaafoo dha.
- C. Waaqayyoo ilmaan namootaa hunda ni jaallata ,fayina isaanii keessattis dammaqiinsa hirmaata (Uuma. 12:3, 22:18, 26:4, Kes. 19:5, His.18:23, 33:11, Yoh. 1:29, 3: 16, IXimo. 2:4, 4: 10, II Phe. 3:9) .
- D. Amantii fi qalbii jijjiirratnaan hundi fayinaaf barbaachisoo dha, seera fi beekumsa macaafa qulqulluu raawwachuu miti (Ho. Erg. 16:31).
- E. Amalli Waaqayyoo sirriitti 1:9 fi 4:2 keessatti ibsameera.
- F. Waaqayyoo seenaa, uumama ni to'ata, akkasumas dhimma waa'ee jireenyaa keessattis ni hirmaata.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yaada lallaba Yoonaas guutummaa isaa qabna?
2. Namoonni Nanawwee sirrii fayyaniiruu?
3. Macaafni kun Israa'eliif ergaa maalii qaba? (akkasumas jireenya keetiif?)
4. Qalbii jijjiirratnaa jecha mataa keetiin ibsi. Yaada qalbii jijjiirratnaa warra Girikii fi Ibirootaa ibsi.
5. Yoonaas (Israa'el) beekumsa waa'ee Waaqayyoo fi ormoota warra markaba oofan(Ormoota) fi Nanawween waa'ee Waaqayyoof beekumsaa fi amanannaa isaan isa irratti qaban waliin madaalchisi.
6. Yesuus yaada kana Mat.12:38-45 keessatti yeroo itti fayyadamu maal jechuu isaa ti?



# SEENSA KITAABA RAAJII MIIKIYAAS

## I. MAQAA KITAABICHAA

- A. Maqaan kitaabichaa kan mogafamee maqaa raajichaati fufeeti.
- B. Maqaan kun kan Miika ibsa gabaabaadha. (Abboota firdii 17:1, 4, 1Mota 22:13 jechuun akka Yaahiwwee (BDB 567) raajii Erm 26, 18 kara barreefamaa Hibirootaatiin hiikaa guutuu qaba Miikiyaas kan jedhuu kan abbaa isaa eenyummaan isaa hin ibsamne, jechuun kan hiyyeessaa fi kan maati badiyyaa ta'uun isaa kan balisuu

## II. AKKAATAA KITAABICHI ITTIIN CALALAME (CANONIZATION) - kitaabni kun kan duraa buutoota kan raajii kitaaba (Ecclesiasticus 49:10) kutaadha, jechuun Isa hangaa Milkiyaaswalitti qabe ta'us garuu raajii Daani'eel, Faaruu Erm utuu hin dabalatiin jechuudha. Miikiyaas Ecclus 4:10 irratti haala adda ta'en ibsameera.

- A. Kitaabni kun kan dura bu'oota 12n kitaaba raajii isa tokkodha (Baba Bathra 14b).
  - 1. Akka Isa Ermi fi Hizqeel jechuun kan kitaaba maraman argama.
  - 2. Kan kitaaba kana aadaa isa kan warra Yihudoota kitaaba raajii duraa duubaan Babbaa Batiraa (*Baba Bathra*) in calaqisiisa.
- B. Kan kudha lamaanii yookaan kan dura bu'oota kitaaba raajoota duraa duubaan kitaabichaa akka seena isaanitti duraa duubaan ta'eera, ta'us garuu yaadi kun rakkoollee murta'ee qaba. Kan jalqaba kitaabonni jahan akka seer-luga barreefama warra Hibirootaatti Masooretikichi (Masoretic Hebrew text) fi duraa duubaan Giriikiin Septuwajeentii XXX gidduu garaagarummaa qabu.

### MT

Hose'aa  
Yo'el  
Amos  
Obaadiyaa  
Yoonas  
Miikiyaas

### LXX

Hose'aa  
Amos  
Miikiyaas  
Yo'el  
Obaadiyaa  
Yoonas

- a. Kan kitaaba kana keessa ragaan kitaaba awaadinn duraa duuba yeroon kitaaba Hose'aa dura ka'aa.
- b. Barri kitaaba Yo'el baay'ee mormisiisadha, ani garuu bara yookaan warra jahaan booda kan turee akka ta'edha kanan ibsu

## III. SHARBEE /GENRE/

- A. Barumsii hafuura Amosin yoo deebises, tooftaadhaan garu adda adda. Miikiyaas akka Amos gosa walaloo nama harkisuu ta'uu yoo baatees dhugaa baay'ee cimaa ta'ee kan qabatee himmoota qabu.
- B. Ce'umsa tokkoo malee kan murtoo fi ergaa haroomsa wal cina qabuun in beekama (akka Hose'aa fi Amos walaloo warra Hibiroota irraa kan dhufee amala wal qabataa kan callaqisiisuu ta'u danda'a). Dhugaan halluu bifa lamaan kaafameera, guraachaa fi adiidhaan (barrefamaa tooftaa ergamaa Yohannis kan wal fakkaatu).
- C. Raajiin jun Waaqa kakuu Yaahiwwee irraa kan fudhate jaboo, miira gadi fagoo kan qabaniif ergaan raajii saba Waaqayyo (Yihudaa fi Israa'eel) kenneraaf.
- D. Miikiyaas kan itti fufani jiran raajii duree dubbateedha.
  - 1. Samariyaan Asoriin akka kuffamtuu 1:5-7, 6:9-16

2. Yerusaaleem Babilooniin akka kufifamtuu 1:9-16, 3:12, 4:10-12, 6:9-16
3. Kan gadi dhiisaan sabni Yihudaa akka deebi'an 2:12-13, 5:5b-9, 7:7-20
4. Bakka dhaloota Masihii 5:2 fi mootii gutumma biyya lafa ta'u isaa 5:4
5. Kan ormoota amantii isanii dhufuu 4:1-5

#### IV. BARREESSICHI

- A. Akka aadaatti yoo ilaalamu Miikiyaas Mooreetadha kan dhufeedha (1:1). Tarii Moreshetgeet irraa ta'u danda'a (qabeenya Geet" 1; 4, Isa 15:44. 2<sup>ffaa</sup> seena 11:, 14:9, 10, 20:37, tilmamaan kibba baha Yerusaaleem irraa mayilsi 20 fagaate idoo argamtuu dha). Akka walitti qabattu kan raajoota barressaan yookaan yoo xiqqaateeka'umsa ergichaa olaana ta'ee kan argamuudha (yeroo booda kan sirreefame yookaan kan mirkanaa'e).
- B. Beektonni baraa tokko tokkoo akka barrefama Musee godhan kan Miikiyaasis kitaaba isaa barresitoota adda addaati qoqoduudhaaf yaalaniruu. Ta'us garuu kitaabichi akka tokkotti ilaalamuu akka danda'uu ragaan keessa jira
  1. Boqonnaan baay'en isaani kan jalqaban jecha Hibiroota irraa "dhaga'aa" kan jedhuunidha 9Shimaa'ii, BDB 1033, KB 1570 keessa deebi 6:4), 12, 3:1, 6:1. Jechi kun haala akkasin jiruun ibsamuun barreesichii rajii isaa kan qabatee kan calaqaasisuu ta'u danda'a (yookaan kan qopheesichaa).
  2. "Tiksitoota" "Hoolaa" jecha dhokataa jedhuu wali galatti 2:12, 3:2-3, 4:6, 5:4, 7:14 keessatti ibsameera.
  3. Meeshaa seer-luga barreefamaa kan ta'ee gargar kutuu-deebii kan kutaa xiqqaa kitaabichaa hunda kan ibsuudha (2:5, 12, 3:1, 6:6-8, 7:14-15).
  4. Walummaa galaatti kitaabicha keessatti kan biroon jaarraa 8<sup>ffaa</sup> keessa yeroo turan rajootni jecha karaa biraadhan ibsaman (dubbifama 24) jiru (fakkenyaaf 4:1-3, Isa 1:2-4, kan Zondervan's *Pictorial Encyclopedia of the Bible* jildii 4. fuula 214 irra ilaala).
- C. Miikiyaas bifa baay'eedhaan eenyummaan isaafi ergaan isaa Amos wajjin wal fakkaata. Bakki dhaloota isaani immoo kan wal irraa fagaatu maylsii 20 qofaadha. Biyya isaa irraa namootni isaani Isa akka ta'ee siyaasaa fi wal didaa bittaa moototaa keessatti hin hirmatne. Lamaan isaani hiyyummaa isaaniin, human dhabuu isaanitii fi hawaasa irraa adda baafamuun kan beekamanidha, lamaan isaani matii rajoota irraa kan dhufan miti (3:5-8).
- D. Miikiyaas naannoo galaanaa abba lafaa irra jiraachuu irraan kan ka'ee Asor Yihuda irratti kan godhe waranaa hunda ilaalera.

#### V. YERICHA

- A. Kan Miikiyaas tajaajilli dheerachuu isaa fi yerichii 1:1 irratti ibsameera "bara Yataamii fi Ahaaz, Hizqihaasis" bara moototaa kan ilaalatee dhuma irra kan jiruu ragaa dabalataa ilaalaa). Raajii isaa kan dubbatee Dhaloota Kiriistoos duraa naannoo bara 735-700 ture. Kunnis Amos irraa fi Hose'aa boodaa ta'uun kan Isa tajaajila raajii dheeraa kan haguguu ture.
- B. Erm 26:18 irratti Miikiyaas bara mootummaa Hizqihaas keessatti raajii dubbachaa akka ture ibsameera.
- C. 1:1 Waa'ee Samaariyaatii fi Yerusaaleem dubbachuu isaan akkasumas 6:1-16 kan jiruu immoo waa'ee kufaati mootummaa Israa'el kan kallatti argisiisuu ta'uun sababa Miikiyaas raajii dubbachu kan jalqabe Dhaloota Kiriistoosiin duraa bara 722 keessatti ta'u qaba. Birus Waalteek (Tiindaal yaada kakuu moofaa) tajaajilli Miikiyaas Amos fi Hose'aa giddu akka ta'uu cimsee dubbata, fuula 138.

- D. Dabalatannis tajaajilli Miikiyaas Samariyaan erga kuftee booda itti fufeera. Kitabichii kan saa tajaajila irra kan jiran ergawwaan walitti qabe kan qabatee fakkaata.

## VI. YOOMMESSA SEENAA

- A. Miikiyaas yeroo sanaaf kan turee Isa wajjin bittaa kibba (Yihudaa) keessatti kan tajaajile jaarraa 8<sup>ffaa</sup> keessa kan ture raajiidha.
- B. Yerichii yeroo badhadhinaa fi humni waranaa itti babal'ata ture 9seensa Amos kan jedhuu ilaalaa). Kakka'umsii amantaa baay'een yeroo itti adeemsifamaa ture, haa ta'uu malee maqaa Yaahiwwee fayyadamuun kan Kana'aan waaqeffannaa barsiisaa ture.
- C. Isa cimaa kan Telgeltelfaasoor geggeessaa 3<sup>ffaa</sup> jal'aa kan kan hareefameef guddachaa kan dhufee bittaa Asor (kan yerichaa dhumaa irratti kan jiruu dabalataan ilaalaa) muraasni dhaabeera.
- D. Macaafa qulqulluu Yihudootaa yaada qayyabbannaa nama harkisu hojjeteera (Seenaakireeb kan jedhu maqaan bakka kamittiyyuu in ibsamne, badisii isaa maqaa mootii Yihudaa kamiin wajjin yookiin lafa irratti kan argamu duraa duuba barreefamaa keessatti kallattiidhaan wajjin kan wal argu miti. Isaan amalii isaani kan akka tasaa bu'an miti, kitaabni Miikiyaas kutaa seer-lugaa barreefamaa kamiin iyyuu seena yoommii fi eessaa wajjin xiyyeefamani akka mul'atan godhe hin keenye. Kan kana bu'aan isaa seer-luga barreefamichaa hojjin isaa akka ibsamuu, hallawwaan seena irratti xiyyeffannoo waan itti hin laanneef tarii duuchadhumatti akka dubbifaman kan karoorfamee ta'uu danda'a (fuula 1207).

## VII. RAMADDII SEERA BARREEFFAMICHAA

- A. Kitaabni kun jijjirama akka tasaatiin beekama, 2:5, 12, 3:1, 6:6-8, 7:14-15. Barreesichi akkuma sanaan raajii isa akka murtoo irraa gara bilisa Bautti jijjira, kanaaf 2:10-11, 2:12-13 wajjin wal madaalchisuuf yaala.kun kan inni ibsuu tooftaa seer-luga barreefamaati malee (tarii walaloo warra Hibiroota irraa kan fudhatamee kan warra Hibiroota walitti dhufeenya ta'uu danda'a, kan yeroo duraa boodaa miti.
- B. Yaada rimmee olaanaa
1. Saba Waaqayyo irratti murtoo dhufuu 1:1-6
    - a. Kan kaaba gadi dhiisuu 1:5-7
    - b. Kan kibbaa gadi dhiisuu 1:9-16 (3:12)
  2. Kan saba Waaqayyoo adabaa fi haaromsaa 2:1-13
    - a. Cubbuu hawaasoota warra durreeyyi 1:11
    - b. Abdii gara fuulduraa 12-13
  3. Saba Waaqayyo kan geggeessan geggeesitoota tufachuu 3:1-12
    - a. Namusa geggeesitootaa 1-4, 9, 11
    - b. Raajoota 5-7 9raajii dhugaa lakk.8), 11
    - c. Luba, 11
    - d. Wantoota itti fufanii jiran 12(4:10)
  4. Kan deebi'e saba Waaqayyo ulfinnaa gara fuulduraa 4-5
    - a. Saba hundaaf kan godhamee hafeeraa biyyoolleessa 4:1-5
    - b. Warra qaama hir'uuf kan kennamee fi dadhabootaaf hafeeraa godhamee 4:6-8
    - c. Kan in amanee haawasichaa miidhaan yoo irra ga'ees mo'icha kan godhudha 4:9-13
    - d. Kan Masihii haala dhuufatti isaa 5:1-5a
    - e. Mo'icha Asor gara fuul duraa 5:5b-9
    - f. Kan Waaqayyoo sabni amma murtoo inni itti jiru 5:1, 10-15

5. Waaqayyo saba isaa gara dhadeechaati fidee 6
  - a. Raajichii Waaqayyoof dubbata 1-5
  - b. Sabni Waaqayyoo deebii kenna 6-7
  - c. Raajichii Waaqayyoof deebi kenna 8
  - d. Murtoon Waaqayyo sabichaan magaala irratti kufee, Yerusaaaleem irraa fi/yookaan Samariyaa irra 9-19
  
6. Kan Waaqayyo ceephoo fi jechii akka ta'uutti sabicha eebbiseera
  - a. Adeemsa irraa kan jiran saba Waaqayyoof cubbuu hawaasichaa 1-6
  - b. Waaqayyo irraa kan ka'ee kan gara fuulduraa kan geggeessaa saba Waaqayyo wajjiin kan wal fakkkaatu ta'eera. 14-20 (kan R. K. Harrison, *Introduction to the Old Testament*, fuula 919 irra ilaalaa).
- C. J.T. Welis kan fudhatamee fi Birus waltekiin kan ibsamee (Tindaal kan yaadoollee kakuu moofaa) fillannoo yaadirime fuula 144-145.
  1. Kan murtoo fi kan abdi qabiyyeen kan itti fufan kan wal qabatee jiruu kuta mata duree xiqqaa sadii.
    - a. Tokkoon tokkoon kutaa mata duree xiqqaa “dhaga'aa” kan jedhu irraa jalqabu (1:2, 3:1, 6:1)
    - b. Tokkoon tokkoon kutaa mata duree xiqqaa “tiksummaa” jecha jedhuu fayyadamu (1:2, 4:8, 5:4, 7:14)
  
  2. Kutaa mata duree xiqqaa kanatti fufanii kan jiranidha
    - a. 1:2-2:13
    - b. 3:1-5:15
    - c. 6:1-7:20

Biruu Waalteek (Tindaal yaadoollee kakuu moofa), maxansa 23a, kan J.T. Wilseen yaada olaana qabatamaa duuka bu'uun mata duree haara in dabala (fuula 150)
  3. Mata dureewwaan
    - a. Murtoo fi bilisa baasuu (1:2-2:13)
      - (1) Samaariyaan kan sirreefamtuu taatii(1:2-7)
      - (2) Qaama hir'inni mandara Yihuuda irratti 1:8-16)
      - (3) Kan bittaa warra matahaa nyaatanii fi daldaaloota durreeyyii boojiun murtefameeraaf (2:1-5)
      - (4) Raajii sobaa irratti kan ka'uu dubbii (2:6-11)
      - (5) Hafteewwaan Tsiyoon keessatti in hafuu (2:12-13)
    - b. Geggeesitootni sobduun in cacabuu, mootii qajeelaan waadaan seenameera (3:1-4)
      - (1) Tiksitooni gara foon namaa nyaachuutti in geedaramuu (3:1-4)
      - (2) Bu'aadhaaf kan lalaban raajoota (3:5-8)
      - (3) Yerusaaaleem in sirrooftii (3:9-12)
      - (4) Tsiyoon ol ol in jetti (4:1-5)
      - (5) Warri hokkolaan jaboo in ta'uu (4:6-7)
      - (6) Kan Yerusaaaleem kan olaantummaa in fakkaata (4:8)
      - (7) Iciiti beekumsa dhoksa Waaqayyoo (4:9-13)
      - (8) Tokkichaa fi kan gara fuulduraa mootii (5:1-6)
      - (9) Jireenya nama harkisuu, foolii du'aa (5:7-9)
      - (10) Waaqayyo gooftaan mootummaa isaa in eega (5:10-15)
    - c. Abdi dukkana keessatti (6:1-7:20)

- (1) Lubbudhaan turuun akkamitti akka danda'amu (6:1-8)
- (2) Abarsooti in guutamuu (6:9-16)
- (3) Kan bittaa adeemsii daldalaa in dhaabata (7:1-7)
- (4) Qooqa mo'ichaa (7:8-20)

#### VIII. DHUGAA ISA ANGAFa

- A. Miikiyaas akkuma Amos soreesoota irratti fi warra cimina qabaniin hojjetama kan ture cubbuu hawaasicha tufateera (Boqonnaa 2-3).
- B. Miikiyaas akkuma Hose'aa karaa raajoota fi lubootaa kan godhaman ganinsaa amantaa tufateera (3:11).
- C. Miikiyaas waaqa tolfamaa waaqa isaani irratti fi sababa kakuu diiguu isaani karaa lamaan isaani karaa Israa'el (1:5-7, 6:9-16) irratti fi karaa Yihudaa (1:9-16, 3:12, 4:10-12, 6:9-16) irratti kan dhufuu kuufaati fii boojuu duraan dursee dubbateera.
- D. Waaqayyo sirriidha. Saba isa ni adaba. Dabalataan Waaqayyo kakuu isaa ilaalatee haarara qabeessa fi amanamadha. Sabni isaa (kan hafan) kan oolani fi kan haarefaman in ta'u (2:12-13, 5:5b-9, 7:7-20)
- E. Waaqayyoo kan isaan barabaadu sabni isaa amala isaa akka calaqisisaaniif (6:8) amantiin kan itti hir'atee seera waaqeffanna miti (6:6-7).
- F. Israa'el, Yihudaa fi kan amanan ormoota karaa Bet'elem keessatti dhalachuuf kan dhufuu karaa Masiihin in eebbifamu (5:2). Kun geggeessaa haara Yahiwwee fakkaata (7:18-20).

# MIIKIYAAS 1

## HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
1:1 Firdii Israa'eel isa dhufu	Irrakeessatti kan barreeffaman 1:1	1:1 Yerusaalemitti gadda Samaariyaadhaa	1:1 Firdii Samaariyaa
1:2	Yerusaaleemii fi Samaariyaa irratti sodaachisa Xiyyeeffate	1:2-4	1:2-4
1:3-5	(1:2-3:12) 1:2-7	1:5-7	1:5-7
1:6-7		1:8-9	
Boo'icha Samaariyaadhaa fi Yihudaadhaa		Diinni gara Yerusaalemitti dhiyaachuu	Gadda Yerusaaleemii fi gandeen gara gadijallaatti argamaniif
1:8-9	1:8-9	1:10-14 1:15-16	1:8-15
1:10-11			
1:12-13	1:10-16		
1:14-16			1:16

### DUBBISA MARSAA sadaffaa (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

\*Kaka'umsa dhabuyyuu, qoqqooddaan keeyyataanii yaada barreessaa jalqabaa hubachuuf furtuu cimaadha. Tokkoon tokkoon jijjiirraawwan ammayyaas keeyyata qoqqoodamee fi kan cuunfameqabu. Keeyyanni kamiyyuu immoo bakka adda ba'ee jirutti mata duree ijoo, dhugaa fi yaada ijoo tokkoqaba. Tokkoon tokkoon sararaas bakka adda ba'anii jiranitti mata duree sanacalaqqisiisu. Akkuma barreeffama kana dubbisteen jijjiirraa isa kamtu akka hubannoo, dhimmaa fi qoqqooddaa sararaaf ga'umsa siif ta'u of gaafadhu.

Boqonnaa kamiyyuu keessatti dursa Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi dhimma isaa adda baasuuf yaaluu qabna. Itti fufnees, hubannoo keenya hiika ammayyaa waliin wal cinaa qabnee madaaluu qabna. Yeroo miira barreessaa jalqabaa hubannu qofa sabqora (logic) isaa fi haala inni ittiin dhiyeesse ilaaluun Macaafa Quqlulluu dhugaan kan hubachuu dandeenyudha. Barreessaa jalqabaa qofaatu kaka'umsa uumuuf ga'aadha malee Dubbistoonni Macaafa Qulqulluu, barootaa fi jireenya isaanii keessatti dhugaa eerame hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

Hub: Jechoonni teeknikaawaa fi gabaajeewwan hundi guutummaa guutuutti miiltoo (Appendices) tokko, lammaffaafisadaffaakeessatti ibsamaniiru.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma

3. Keyyata sada

4. kkk

## QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

### Miikiyaas 1:1-7

<sup>1</sup>Kun dubbi Waaqayyo isa bara Yotaam, Ahaaz,

Hisqiyaasis tarreetti Yihuudaa irratti mo'anitti gara Miikiyaas nama mandara Mooresheet dhufeef, mul'ata isa waa'ee Samaariyaa fi waa'ee Yersaalemiif itti mul'atee dha\*.

<sup>2</sup>Waaqayyo gooftaan mana qulqullummaa isaa keessaa isin irratti dhugaa in ba'aa; sabni lafa irraa guutummaatti waan ooftichi jedhu haa dhaga'an!

Biyyi lafaa, warri isa keessa guutaniis yaadaan haa qaban!

<sup>3</sup>Ilaa! Waaqayyo iddoo jiruu in ba'a, gadiis in bu'a, lafa ol jedhaa gararraas in adeema\*.

<sup>4</sup>Tullonni akka gaga ibiddi baqsuu isa jalatti in baqu, akka lafa bishaan irraan-gadee lola'u qotuuttis dachaawwan in tatarsa'u\*.

<sup>5</sup>kun hundinuimmoo sababii irra-daddarbaa Yaaqoobiif sababii cubbuu mana Israa'eliif ta'e; Yaaqopb akka irra daddarbu eenyutu godhe? Samaariyaa dha mitii ree?

Yihudaa keessatti iddoo itti waaqayyolii tolfamaniif sagadan eenyutu qopheesse? Yersaaleem mitii ree\*?

<sup>6</sup>Kanaafis Waaqayyo, "Ani mandara Samaariyaa caccabsee lafatti nan dabala, lafa muka waynii dhaabanis isa nan godha;

dhagaa ijaarsa mana isheetii dachaatti gad nan naqa, hundee ishees bakkeetti nan baasa.

<sup>7</sup>Bifni fakkeenya isheen waaqessitu hundinii in hurreeffamu, galchiin ishee keessatti argamuu hundinuus ibiddaan in gubama, waaqayyoollin tolfamoon ishee akka gati dhaban nan godha, wanti isheen waaqayyolii isheetiif hojjechuuf ejjaan argatte immoo deebi'ee hojii ejjumaaf in ta'a" jedhe\*.

1:1 "Sagallee Waaqayyoo" raajootni kun kan Miikiyaas jechaa yaadotaa fi miiraawwaan utuu hin ta'in kan Yaahiwwee kan ibsanidha (Hose'aa 1:1 ilaalaa). Mul'atni kun kan siyaasa yookaan kan waaqumma jete jete miti.

■ "Miikiyaas" jechuun akka jecha Hibirootaati Miikayaahi jechuu yeroo ta'uu hiiki isaa "Yaahiwwee kan fakkaatuu" jechudha (Erm 26:18 ilaalaa). Raajiin kun lalabaa biyyoolleessati (abbaan isaa yookaan biyyi dhaloota isaa in ibsamne) akka Amos kan biroo kan rajoota qabeenyaa wajjiin kan walitti dhufee in ture.

Mooreetawoota" kun kan inni dubbatu boqonna 1:14 irratti waan ibsameef magaalaa "Moreeshetget" yoo ta'uu magaalatiin kun magaalaa Filisxeem naannoo abbaa Kisoonaa fi Geet gidduu kan argamtuu Yersaaleem irraa kibba bahaati kiiloo meetra 200 (maylsii 20) fagaate kan argamtu mandara xiqqoodha.

■ "Yotaahamii fi Ahaaz bara Hizqiyaasitti" kanaaf haali diriirfamee "kan qoqodaman moototaa" kan jedhamuu dabalataan (Appendix) ilaalaa. Kan isaan kana bitooti isaani bara sirri wal mormisiisuu ta'ani argamaniiru. Sababni isaa 1) kan adda addaa lakkoofsi bara jiraachu 2) kan walitti hidhamee bara mooti mootoota Edwin R Thiele, The Mysterious Numbers of the Hebrew Kings ilaalaa).

■ "Kan arge" (BDB 302) ergaa raajii Waaqayyo irraa yeroo fudhatan baay'een issani kan isaan itti fayyadaman ibsa dha. (Fakkeenyaaf Isa 1:1, 2:1, 13:1, Amos 1:1, Imbaqoom 1:1). Baay'inaan jechii kun kan ibsuu murtoof kan dubbatan mul'atoota yookaan raajiiwwan I dha. Fakkeenyaaf 2:1, 28:7, 30:10, Amos 1:1). Sagalleen kun baay'inaan kan ibsuu nama raajii ta'ee "kan argan" ta'uu dha (Fakkeenyaaf Amos 7:12, Miikiyaas 3:7, Isa 29:10, 30:10). Amos 7:12 irratti kan jiraan raajonni kan jedhuu mata duree addaa ilaali.

■ "Samariyaa" kan sabichaa iddoo tessumaa beekamaa yookaan magaalaa jechuudha. Baay'inaan ergaan raajii Miikiyaas kibba Yihudaa waa'ee bittaa jiruu kan dubbatuu ta'uus garuu, raajiin isaa kan jalqabuu kan gosoota kudhanii teessoo kan taatee Samariyaa itti dhufaa kan jiruu murtoo beeksisuu dhan (boqonnaa 1:1-9) Kun

tarii Yihudaa kan jiraatan xiyaaffannoo saba yaaduuf kan itti fayyadaman tooftaa yookaan Miikiyaas raajii kaaba kan turee fi waa'ee Yihudaa kan dubbatee kan Amos tajaajila isaa fi dhiibbaa ergaa akka keessa bulchee kan argisiisuu ta'uu danda'a.

**1:2 “Dhaga’aa”** boqonnaa 1 fi 2 lamaanuu Waaqayyo saba isaa irratti galmee komii akka qabuu kan tokkoo dhabbataa seera murtoo fayyadamuun in dubbata. Lamaanuu akka boqonnaa sadii “dhaga’aa” jechuudhaan in jalqabuu (BDB 1033, KB 1570, Qal IMPARATIVES (keeyata ajajaa) ). Amos 3:1 fi Hose’aa 4:1 jala kan jiruu ibsaa ilaali. Kun kan sadii diriibiidhaan Shemaa (shema) kan Yihudoota fayyadama kadhata argisisa fakkeenyaaf gochuudhaaf dhaga’ii Kes 6:7 (seensa irraa kan jiruu VII c ilaala). Ta’us garuu Miikiyaas jecha kana irra deddeebi’ee fayyadameera (1:2, 3:1, 9, 5:15, 6:1 [yeroo lama] 2:97:7). Torbanuu akkasidha Qal IMPERATIVES (keeyata ajajaa) S (3:1, 9, 6:1, 2, 9, ilaalaa).

■ **“Dhageeffadhaa”** gochami kun VERB (BDB 904, KB 1151, Hiphil keeyata ajajaa) hiikii “xiyaaffannoo itti kennaa” jechuu ta’uu dhagaa’uu wajjiin walitti dhiyeenya qaba. Yaadi kun immoo Isa 28:23 Hose’aa 5:1 fi Zaka 1:4 Erm 34, 1, 49, 1 wajjin wal fakkaachuu isaanitiin in arganna.

■ **“Waaqayyo gooftaan ragaa isaan irratti ba’a”** gochamii kun olitti kan ibsaman gochama lamaan dhaga’ii dhageeffadhuu (BDB 224, KB 243, Qal JUSSIVE)kan jedhuu wajjin wal fakkeenya qaba amma Waaqayyoo raga baatuu isitti ta’eera. Kun ifatti seera mana murtii kan argisiisuudha Waaqayyoo hamootaa irratti raga baatuu ta’eera (Erm 29:33 ilaalaa) akkasumas inni mana murtiiti raga baatuu ta’uu isaa in dubbata (1<sup>ffaa</sup> Samu’eel 12:5 Miikiyaas 3:1) inni (1) abba murtii (2) kan mana murtii murtoo kan dabarsuu ta’ee argama.

■ **“Yaa ormaa yaa biyya lafaa”** akka seera Yihudaati murtoo fidii tokko dabarsuudhaafraga baatuu lama yookaan sadii in barbaachisuu (Seera lakk.35:30 Kes 17:16, 19:15 ilaalaa) kanaaf Waaqi lafaa fi lafa irraa kan jiraatan sabooti hundumtuu seera murtii kana keessatti raga baatoota ta’ani in arginaa (Kesi 4:26, Isa 1:2) Yaahiwween mataan isaa kan isaa kan ta’an saba isaa irratti akka ragaa itti Bau in dubbata. (Kes 31:19-21, 26).

■ **“Waaqayyoo gooftaa”** kallattiidhaan hiikni Yaahiwwee jedhee hiikeera (Isa 56:7 ilaalaa) mata duree addaa jal’atti Amos 1:2 kan tarreefaman maqaa Waaqayyoo ilaalaa.

■ **“Gooftaa qulqulluu mana qulqullummaa”** yaahiwwee kan bakka bu’uu lamaan kan ergamaa ol jedhe kan jiruu iddoo gidduu galleessatti argamakunnis gara sanduuqa kakuu in geessa.Yerusaaleemitti sanduuqa kakuu iddoon bultii isaa qulqulluu qulqulloota keessa ture (Bau 25:22 ilaalaa) iddoon kun mootummaan waaqa fi lafaa kan biyyaa lafaa fi kan hafuura kan waaqarraa fi ogummaan nama bakka itti argamu. Sarari walaloo kun lakk.2b lakk.3 wajjiin walqabatee jira (kunnis waa’ee murtoo kan dubbaatuu seer-luga sagalleetti Isa 26:21 ilaalaa).

**1:3 “Lafa ol jedha gararraas in adeema”** gochami kun (BDB 201, KB231, Qal PERFECT) Amos 4:13 irratti argama kun Waaqayyo kan uumee qaama lubbuu hin qabne wajjin kan jirru walitti dhufeenya dhihoo in dubbata. Lafa..... jechi jedhuu hiiki isaa lafa jechuu ta’uu danda’a (kan isaa laftii lafa kakuu isaati) as irratti tarii uumamaa hundumaa ofitti qabachuu danda’a.

In adeema kan jedhu (1) Argamuu Waaqayyo dhi’oo yookiin (2) Murtoo isaa baruu harkaa keessa godhate akka waynii cunfameeti fakkeefama (Isa 63:3, Faaruu Erm 1:15 ilaalaa).

Bakkeewwaan ol ka’oo (BDB 119) lafa irratti kan argaman gaaroota ta’uu danda’u yookaan lakk.5 irratti waa’ee aarsa lalisaa jecha wal fakkaatuu fayyadameera. Kunnis tarii Yaahiwween waaqa tolfamoon bakka aarsaa irratti kan godhamee dheekamsaa fi badiisa kan dubbatuu ta’uu danda’a (lakk.7 ilaalaa).

**1:4 Dhufaatiin Waaqayyoo eebbaa fi yookaan murtoof qabiyyee kana irratti garuu murtoofidha.** Yeroo baay’ee kan nama ajaa’ibsiisuu ta’ii uumamaa wajjin in ibsama (Bau 19:16-20 Far 18:7-15-97-1-6 Isa 40:4 Yo’el 2:30-31 Amos 9:5) lakk.4 kana wajjin kan walfakkaatu yaada walaloo qaba (yaadadhaa lakk.1 lakk.3 wajjin akkasumas lakk.2 lakk.4 wajjin adeemu) kun kan duraani raajii murtoo mul’atoota wajjin wal fakkaata. Cubbuun ijoollee nama uumama irratti dhiibba godha (Uma 3/ Rom 8:19-22).

■ **“Abidda”** Amos 7:4 irratti waa’ee abiddaa kan argisifamee ibsa ilaalaa.

■ **“Dhangala’uu”** gochamii kun (BDB 620, KB 669) akkasumas “dheekamsaan caccabsuu” (BDB 510, KB507) hundumtu kan Hoofaal (Hophal) bifa kan qabuu yeroo darbuu fi PASSIVE fi ACCUSATIVE kan ta’an.



**1:5 “Kun hunduu waa’ee cubbuu Yaaqoobi fi waa’ee irra daddarbaa Israa’eliif”** Kan warra Hibirootaakan ibsa addaa walaloo Amos 1:2, sarara 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> akkasumas lakk.5 ilaaluudhaan wal fakkeenya jechoota ilaaluun in danda’ama. Lakk5 keessatti gochami kamiyyuu hin argamu.

■ **“Samariyaa”** kun Israa’elitti kutaa kibbaatti kan argaman gosoota 10 iddoo teessumaa ol aana magaalaa dha magaalaa kun Omiiri irraa kan hojjetamee yoo ta’uu innis mucaa naannoo yoo ta’u Elzaabeeliin fuudhee bittaa kibbaa kan warra Kana’aan waaqeffannaa waaqa tolfamaa lalisaa kan beeksise ture (1Mota 16:29-33, 17-18) magaalatiin humna waraana isheettin cimtuu ta’uun ishee irraa kan ka’ee warri Asor magaalatti boji’uudhaaf waggaa 3 itti fudhateera (dhuma irratti Sargoon irra deebi’ee bara 722 qaaman kan godheen). Isaan magaalaa beekamoon kun walummaa galatti saba keessa jiraatan bakka bu’u. Hundumtuu kan Yihudaa fi kan Israa’el geggeesitooti (moototaa, raajoota fi lubootaa) sabni isaani hundumtuu kan rawwatamee ejjaa fi kufaati itti gaafatamtoota.

■ **“Kan Yihudaa iddoo ol jedhaan maali”** bakka kan jedhu jechi Masoreetikiin yabuu yookaan ibsa jechoota baay’ee kanaaf tarii kun kan lafatti bakka olka’aa hunda irratti faffaca’aanii kan jiraanwaaqeffannaa waaqa tolfamaa Ba’aal iddowwaan jechuuf ta’a. (2<sup>ffaa</sup> seena baraa 24:3-4:7) hiika wal fakkaatan waa’ee magaalaa gudditti Yihudaa Yerusaaaleemin jechudha.

1-6-6 kan kana dubbataan lakk.8-16 akka ibsamee Yaahiwwee dha.

**1-6 “Samariyaa tuulla wantoota caccaba”** kun Dhaloota Kiriistoof dura bara 1972 kan raawwatamee kufaati magaalatti in dubbata. Irra deebidhan kan Asor Sargoon)

■ **“Bakka wayniin irra dhaabamuu”** Samariyaan wayniif akka iddoo qonna akka guggudatee iddoo duwwaa kan fakkaatee baay’ee in didigamtii. Kun Yerusaaaleem akka lafa qonnaatti in qotamti yaada jedhuu wajjin wal fakkaata dha (3:12, Erm 26:18).

■ **“Dhagoota ishee dachaatti gadi nan darbadha”** kun kan inni dubbatuu waa’ee Samariyaa kan dhagaa daannoo yoo ta’uu kan bakka sirrefamee gara dacha darbatamuu ishee argisiisa.

**1:7** kun badhadhina ishe kennituu waa’ee waaqa tolfamaa Esheeraa jedhamtuu dubbata kunnis Yaahiwwee irratti kan godhamee sagaagalummaa hafuuraa (waaqeffannaa waaqa tolfammaa) sababi firdii hiikumsaaf dhi’aachuu in ibsa.

■ **“Kan argateee”** hundumaa (BDB 1072-1073) jechii kun yeroo sadii tuqamee yoo ta’uus kan inni dubbaatuu waa’ee ejja Israa’el TEV Kes 23:18, Isa23:17) qabiyyee tokko tokkoon immoo jechichi keessumoota wajjiin waa’ee tokkummaa godhamee yookiin sagagalummaa kan ibsu yoo ta’uu tarii kana kan ibsanidha (NRSV) NIDDOTE keeyata 3 fuula 1281) hiika sadi ta’u kan danda’aan hiikooti ibsamaniru.

1. Waaqa tolfamaaf kan sagaagilan dubartootaaf kennoota kennaman (bakka aarsaa bareechuuf kan itti gagaraman)
2. Kennaa Ba’aaliin yookaan ija lafachaatiin eebifamoo ta’uu
3. Bakka aarsaa waaqa tolfama barrechuudhaaf waa’ee aarsaa dhi’aatuu
4. Bakka aarsichaa waa’ee gurguramuu warqee fi birri waaqa tolfamaa NIDDOTE, keeyata 3, fuula 2007)

## **Miikiyaas 1:8-16**

<sup>8</sup>Sababii kanaaf ani nan bo’aa nan wawwaadha, miilla qullaa, uffata malees nan adeema; akka waangoo nan wawwaadha, akka guchii goromtiis nan boo’a\*.

<sup>9</sup>Madaan rukutaa mandarattii isa fayyuu miti; gara biyya Yihudaa dhufeera, karra Yerusaaalem ishee kan saba kootii bira iyyuu ga’eera.

<sup>10</sup>mandara Gaatitti kana hin himinaa!

Mandara Bet-Le’aatraatti immoo awwaara keessa gangaladhaa\*!

<sup>11</sup>Isin warri mandara Shaafiir qullaa keessan yeelloodhaan ba’a!

Warri Zaanaan mandaraa isaanitii gad hin ba’in!

Boo’icha mandara Bet-Ezel achi isin hin dhaabachiisu;

<sup>12</sup>Warri mandara Maaroot wanta gaarii dhimmanii eeggatu;

wanti hamaan immoo Waaqayyo biraa balbala kellaa Yerusaaalem irratti gad in dhufa.

<sup>13</sup>Yaa warra mandara Laakiish, teepa konkolaataa,

**farada isa harkisutti hidhaa!**

**Irra-daddarbaan Israa’el keessatti hojjetamaa ture isin gidduutti argame;  
warra Xiyoonis isintu cubbuu hojjechuu jalqabsiise\*.**

**<sup>14</sup>Kanaafis isin mandara Moorsheet-Gaat gad in dhiiftu;  
manneetiin mandara Akziib mootota Israa’el in gowwoomsan.**

**<sup>15</sup>Isin yaa warra Mareshaa, isa ammas dhufee mandara keessan qabatu  
Waaqayyo isinitti in fida; Israa’el keessaa warri ulfina qaban gara Adulaam in dhufu\*.**

**<sup>16</sup>Gadda ijoollee warra mararsiifattaniif rifeensa  
mataa keessanii murmuradhaa yookiis haaddadhaa!  
Isaan isin duraa waan booji’amaniif, mataa keessan akka mataa  
goggoroo isa rifeensi irra hin jirree godhadhaa\*!**

**1:8-9** kun kan inni<sup>9</sup> argisiisuu (1) gadda garaa Miikaan kan dhuunfaa (Ibn Ezra, NET Bible footnote 1, fuula 1622) ilaalaa, (2) lakk.8-16 kan Yaahiwwee dubbii isaa kallattidhaan ibsuu danda’a (The Jewish Study Bible, uula 1207) kan namoota fakkeenya fayyadamuun (Hose’aa 11:8) qooqaa sagallee Hibirootaa fayyadamun (Isa 10:24-32) yookaan (3) Tarii hiikichi “ana” kan jedhuu “isaan” jedhee jijjiiruun dubbatichii Israa’elun akka of keessatti hin qabane godhamee ta’a.

**1:8 “Sababa kanaaf”** lakk.5 keessatti “kun” jechi jedhuu cubbuu isaaniif kan jedhan Samariyaa bakka bu’a, haa ta’uu malee lakk 8 irratti saba isaa irratti waan dhufuu murtoo Waaqayyo bakka bu’a (sababa marsuu keessumootatiin kan dhufee) jalqaba Samariyaan, (Dhaloota Kiriistoos dura 722) booda irratti immo Yerusaaalem (605, 597, 586, 582) Dhaloota Kiriistoosiin dura).

■ **“Wayyoo.....iyyuun....miilla qullaa....qullaa ishee....in boosii....in gadditti”** gochamni kun hunduu lakk.8 irratti kan argamu boca isaanitiin yookaan hiika isaanitiin ta’u.

Boca isaatiin yookaan hiika isaanitiin COHORTATIVE ta’u

1. NASB, NRSV -in boosii  
NKJV -In iyyiti  
TEV -Iyyaan  
NJB -Bo’uu  
(BDB 704, KB 763, Qal COHORTATIVE)
2. NASB, NRSV, NJB - Iyyanni bo’uu  
NKJV - in boossi  
TEV -in iyyitti  
(BDB 410, KB 413 Hiphil COHORTATIVE)
3. NASB -“miilla duwwaa fi qullaa koo nan adeema”  
NKJV - “Miilla qullaa fi wayyaa keessa qofan nan adeema”  
NRSV, NJB - “Miilla duwwaa fi qullaa koo nan adeema”  
TEV - “Miilla duwwaa fi qullaa koo naannoo sana irra nan adeema”  
(BDB 229, KB, 346 Qal COHORTATIVE)
4. NASB -“Sagallee boo’ichaa nan dhaga’a”  
NKJV -“Sagallee iyyaa nan dhaga’a”  
NRSV -“boo’icha addan hin citnee nan dhaga’a”  
TEV, NJB -“Dheeressee nan iyyaa”  
(BDB 793, KB 889, Qal IMPERFECT hiika isaanitiin wali wajjin deemu irraan kan ka’ee wal fakkaatoodha.

Kun hunduu kan tarreefamees waa’ee gadda Maariik kan dubbatu. Tarii raajichi lalaba kana yoo lalabuu uffata keessa uffatee ta’a. ta’iin kun lakk.16 irratti deebi’ee in argina (Amos 8:10) bineensoota tarreefaman kan argisiisan jiraachu dhabuu namaa fi hameenya achitti argamuudha (NEB) ilaalaa.

■ **“Qullaa”** jechuun guutummaati qullaa jechuu utuu hin ta’in uffata keessaa uffatani kan biraa uffata dhaabataa uffachuu dhiisuu ta’uu danda’a (1<sup>ffaa</sup> Samu’eel 19:24, 2<sup>ffaa</sup> Saamu’eel 6:20, Isa 20:2-4, Yohannis 21:7) ta’us garuu

warri Soriyaa jarreen hidhaman kana dhiphisuu fi salphisuuf jedhanii guutummaa guutuutti qullaa isaan godhaa ture (lakk.11 Isa 47:2-3, Erm 13:26, Hose'aa 2:3, 10).

■ **“Guchii”** “gabgaabummaa” (BDB 419 jecha jedhu KB, 421 wayya, guchiin Saptu-Ajeentii fi Volgeetiin akkasumas (NKJV,NRSV, TEV) keessatti ijoolleen namaa gadda keessa yoo ta’u kan iyyan iyyuun kan fakkaatuu sagalee kan qabuu kan bakka bu’uu beelada dha. Guchiin kan dhageesiiftuu sagallen gad aanaa waan ta’eef namooti tokko tokkoo sagallee nama hawisiisuu itti fakkaata (Peshitta, NJV, NJB, NIV, REB kan gammoojjii kaka’uu kan jedhuu hiika qabu) kunnis sababni isaa kan digamee fi magaalaa bade keessa kan jiraatan uumama giddudhaa tokko waan taatefidha (Isa 13:21, 34:13, 43:20, Erm 50:39). Ta’us garuu kan Hibirichaa hiiki hin beekamu.

**1:9** Cubbu qabatamaa gosoota kurnanii fi kibba Yihuudaa irratti daddarbeera (madaa Isa 1:5-6, Ermi 10:19, 14:17, 15:18, 30,;12-17. Iddoo kana irratti bifa kanaan raajichi Yihudaa kan jiraatan dhageefatootis warra gosoota kudhanii wajjin hirmaattuu murtichaa ta’u isaani ibsuudhaan yaada isaani harkisuu danda’eera. (Hisqeel 23). Waaqayyoo isa irraa adda ba’anii kan sagaagilan ijoolleen isaa gaabbanni gara isaati akka deebi’an kan ittin godhamu karaa inni tokkichi murtoo fiduudha.

■ **“Madaan ishee kan hin fayyinee dhaahooti”** madaa jechii jedhu (BDB 646) cubbuu ibsuudhaaf jecha dhokataa fayyadameedha. Kana jal’aa adda addaa kan ta’an baay’een isaanii kana kan ibsan jechooti jiru

- 1 Dhaga’ii, *mkh* (BDB 646)-Isa 1:6, Erm 30:12, 17
- 2 *mzr*9(BDB 267)- Hose’aa 5:13
- 3 *hbrh* (BDB 289) –Far 38:5, Isa 53:5
- 4 *mhll* (BDB 319) Isa 53:5

Cubbuu irraa Yaahiwwen akka isaan fayyisuu gosoota dhukkubaa kan ibsamaniif iddowwaan keessatti jiru. Fakkeenyaaf Kes 32:29, seena bara isa 2<sup>ffaa</sup> 32:29, 2<sup>ffaa</sup> Seena baraa 7:14, Far 30:2 41:4, 103:3, 107:20, Isa 6:10, 30:26, 57: 18-19, Erm 3:22, 17:14, 33:6, Hose’aa 6:1, 7:1, 14:4!

■ **“Karra”**kan magaalatti kan ittin olgalan kan hawaasichaa, kan daldalaa fi iddoo murtoof itti wal argam ture (Amos 5:10, 12:15).

Jechami kun (BDB 101, KB 116, Qal PERFECT) hiiki yeella’uu yoo ta’uu (fakkeenyaaf 7:16, Hose’aa 4:19, 10, 9, 13, 15 dabbalatanis kitaaba Isa keessatti yeroo baay’ee irra deddeebi’amee ibsameera).

❑

NASB “Qaana’uu”  
NKJV “Bitaa itti galuu”  
NRSV “Qaani uffachuu”  
TEV “Yeella’uu”  
NJB “Bitaa namatti galuu keessa Bau”

Gochami kun (BDB 344, KB 340, Qal PERFECT) “qaanii” kan jedhuu “yeella’u” kan jedhuu wajjin wal cina kan deemanidha. Isa 24:23 irratti iddo tokkootti faayidaa irra oolera.

1. Isa 1:29 warra waaqa tolfamaa waaqessan
2. Iddoo kana irratti warra hooda dubbatan
3. Erm 50:12 keessatti Babiloon

❑ **“Hidhii isaanii”** hiikii kallattiisa gara olii hidhii irratti kan biqiluu “rifeensa” (BDB 974) dha. Rifeensaan uwwifamuu kan jedhuu fakkeenya jechun (1) gadda gadi fagoo keessatti liqimfamuu Izr 24:17, 22) jechuudha yookiin (2) qaani (kan qabatee 13:45, dhukkuba lamxii kan itti jiruu jedhameera).

■ **“Waaqayyo biraa deebiin hin jiruu”** isaan geggesitooti kun lakk.4 irratti akka ibsamee Waaqayyoo wajjin kan qaban walitti dhuufeenyi rakko qaba ture. (1Sam 25:8, 6). Samiin calluma jedheera.

**3:8** lakk.5-7 waa’ee raajoota sobduu akka dubbatuu lakk.8 dabalee Waaqayyoo wajjin kallattiidhaan walitti dhuufenya waan qabaniif waa’ee raajoota dhugaa dubbata. (Far 89:13-14 raajooni kun amala Waaqayyo kan qoodatan yookiin karaa fooya’een kan callaqisisaanidha). Yaadadha raajiin dhugaan kan guutame (BDB 569, KB 583, Qal PERFECT) (1)Humnaan (BDB 470) (2) hafuura Yaahiwweetiin (Isa 11:2, Hizzira 2:2) (3)seeran(BDB 1048 “firdiin”) fi (4) jajabina (BDB 150 “humna”) cubbuu ifatti baasuuf soda malee Isa 58:1). Geggesitoota wajjin yoo wal madaalu qaaniin gadda guddaadhaa fi humna dhabuu.

Maal yoo ta’eelle qaamoti Sillaasse inni sadaffaan haafuri qulqulluun nama keessa buluu, barumsa kakuu moofa keessatti ifatti yoo hin jiraannes Waaqayyo dhuunfaadhaan namoota keessa fi wajjin argamu ibsameera.

1. Basel- el Bau 31:3, 35:31
2. Iyaasuu Kes 34:9
3. Saa’ol 1Sam 19:23-24
4. Eliyaas 1Mot 18:46
5. Hisqi’eel Izr 1:3, 37:1, 40:1
6. Miikiyaas Miikiyaas 3:8
7. Masihii Isa 11:2, 48:16, 61:1 (Luq 4:18-19)

Dabalataanis raajoota fi hafuura gidduu kan jiruu walitti dhufeenyi Hose’aa 9:7 ilaala

■

NASB

**“Karaa biraan”**

NKJV

**“Dhugaadhaan garuu”**

NRSV, TEV

**“Anaaf garuu”**

NJB

**“Ana bira akka sana miti”**

Masoretikichi “garuu sirritti anaa” kan jedhuu jecha jechatu jira. Garuu Hibirichii dabalgochimni (BDB 19) galagaltoo (ADVERSATIVE) cimaadha (Iyo 1:11, 11:5, 12:7, 13:4, 14:18, 17:10, 33:1 yeroo baay’ee faayida irra oolera).

“Yaaqoobi fi Israa’el” lakk.8 sararonni lamaan akka ibsanitti Miikiyaas kan inni dubbatuu waa’ee cubbuu Yihudaa fi Israa’el dha. lakk.9 sarara isa jalqabaa fi isa lamaataa akkasumas

**3:9**

NASB, NKJV

**“Amma kana dhaga’aa”**

NRSV

**“kana dhaga’aa”**

TEV

**“Ana dhaga’aa”**

NJB

**“Sagalee kana kallattidhaan dhaga’aa”**

Gaaleen kun jecha jechaati “dhaga’ii kana nan kadhada” kan jedhu dha. Gochamichi VERB (BDB 1033, KB 1570) Qal IMPERFECTIVES (keeyata ajajaa), yoo ta’uu kan kadhana (ab) faayida irra kan oolee gochama gaalee (PARTICIPLE) itti fufee kan jiruu waan ta’eef kana boode ifaa waan ta’eef “kuni”.

■ **“Murtoo warra jibbitan”** gochami kun (BDB 1073, KB 1765, Piel PARTICIPLE) hiiki isaa jibiinsa akka keessa bulchuuf kan qaxaramuu dha. Fakkeenyaaf Amos 5:10, 6:8, Isa 14:19, 49:7. Isaan geggeessitootni kun kallattidhaan dogogoruu utuu hin ta’in gaarumaadhaa fi waan Waaqayyoof jibbinsa qabu turan Isa 5:20, Amos 6:12). “Seera” jecha jedhuu (BDB 1048) lakk.9 fi 10 irratti irra deddebi’ameera.

■ **“Wanta qajeela hundumaa warri jal’iftan”** “jal’isuu” gochami jedhu (BDB 786, KB 875, Piel IMPERFECT) hiikichi wanti tokkoo kallattidhaan akka hin hojjetamne gochuu yookiin dabsuu (Fakkeenya 10:9, 28:18, Isa 59:8).

■ **“Qajeelaa”** jechi jedhuu kakuu moofaa kan seeraa yookaan toli kan argamee hundeen jechaa dhuffaatinsa (etymological root) kan jiruu dha kunnis jechun kallattidhaan caafii yookaan funyoo safaraa (Isa 5:20) jechu dha. Waa’ee cubbuu kan dubbatan baay’een isaani jecha Hibiroota kan ibsan isaa waaqa irraa irra adda ta’uu isaati. Tolaa kan jedhu mata duree adda Hose’aa 2:19 ilaala.

**3:10 “Xiiyoon Yerusaaleem”** Xiiyoon garoota turban giddudhaa Yerusaaleem kan irratti ijaaramte gaara ture. Yeroo baay’ee sabichaaf magaalatiidha waamama ta’ee faayida irra oolera.

■ **“Dhiigaan....cubbuudhaan”** isaan maqaan lamaan kun wal cina kan jiraniidha Erm 22:13, 17, Inbaaqoom 2:12).

**3:11** lakk.kana keessatti kan ibsaman gareen geggeessitoota sadan waa’ee gabgabummaa isaanif waa’ee bu’aa qofa barbaadu isaanitiif lakk.itti tufatamaniidha (7:3, Isa 56:9-12, Erm 5:30-31, 6:13-14, 8:8-12, 14:13-18,22-23, 26:10-15:16, Hizzira 13, 22:23-31).

■ **“Matahaadhaan in murteessu”** kun kan abbotti seera kan geggeessitoota matahaa ilalata (7:3, 2<sup>ffaa</sup> Seena baraa 19:7, Isa 1:23, 523). Qabeenyaan jireenya Yihudoota keessatti iddoo gudda qaba.

■ **“Luboonnis gatiidhaan barsiisu”** akka seera Museeti lubootaaf yookaan waa’ee Leewoota gaheen isa tokko sabaaf barumsa kennu Keessa 33:10, 2<sup>ffaa</sup> Seena baraa 15:3, 17:9). Seera Museetin Luboota gargaaruu fi barumsaa (fi jireenya) fayyummaa hafuuraaf Israa’el murteessaa ture (Hose’aa 4:6).

■ **“Waaqayyotti amanatu”** “amanachuu” ulletti hirkachuu jechuudha (BDB 1043, KB 1612, Niphal IMPERFECT, Far 23:4).isaan geggeessitooti hojii isaani hamaa fi saba isaani golgaa amantaan walitti qabuuf yaala jiru. Hojiin isaani kan biraa afaan isaanitiin kan dubbatan immo kan biraadha Isa 29:13)! Eegumsa Yaahiwwee abdiin in godhatu (faayidaa kakuucha irraa) isaa wajjin kan qaban sababa walitti dhufeenya kakuu, garuu akka kakichaati kan isin irraa eegamuu raawwatani dhiiftani turtan (Kes27:29 Leewota 26, Isa 6:9, 10, 29, 13).

■ **“Wanti haman tokkollee nuti in dhufuu”** kun irra deddeebin rajooni sobduun kan jedhan kan beekame jechama aadaati (Erm 5:12, 23:17, Amos 9:10), ta’us garuu sirri miti.

**3:12** kun saboota Yihudaatiif cimaa kan ta’ee kan nama naasisuu ta’uun isaa in hafne. Yerusaaleemii fi manni qulqullummaa Waaqayyo akka hin badne kakuu Waaqayyotti amanaman (kunis jechun Hizqeeliif abdootiin Isa tarii hundeen isa 2ffaa Saamu’eel 7) ta’uus kakuuchaaf kan qaban dhimma dhabuu irraan kan ka’ee kan Waaqayyo man hidhatti dabrsee isaan kenna Erm 26:18). Yerusaaleem akka lafa qonnaa in taatii (cf 1:6)!. Kun waa’ee kufaati Israa’el kan dubbatu raaji jalqabaati (akka lafa qonnaa in qotaamtii) manni qulqullummaa ishees (kana jechun utuu in dhaabamiin kan biqilluu yookaan hiiki isaa kallatiidhaan “bosona”) kun kan Waaqarraan Isa 5 wajiin wal argisiisa. Miikiyaas bara 701 kun yeroo hin raawwatamin akka itti qoosan ani sirridha (kana jechun loltuun Seenakireeb Waaqayyoon in balleeffamee 2Mot 19:35-37), ta’us garuu raajichi sirri ta’uu kan mirkaneefate bara 586 ture raajiin kun jecha jechaatti mootii Babiloon irra deebin Nabukadinatsor yihudaa yeroo marseeti yeroo raawwatameeti. F.F. Bruce; Answers to Questions Hizqiyas mootichi (1:1) fi sabni Yihudaa Miikiyaasiif deebi erga kennuun isaani fi Waaqayyo murteessu irra garaa akka laafe in mirkanefata.

■ **“Sababa keessaniif”** isaan (geggeessitoota siyaasaa fi amantii) kan isaan mudatuu firdii Waaqayyo qofa osoo hin ta’in (akka hatotaati) hojjiin isaani murtoon Waaqayyo isaan irra ta’uuf sababa ture.

## **MIKIYAAS 2-3 GAAFFILLEE MARE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. 2:6-11 keessatti kan raajota sobduu ergan isaan ibsan maal turan?
2. 2:12-13 maaliif qabiyyee yaada keessaa ba’ee?
3. Namni tokko raaji dhugaatii fi raaji dhugaa gidduu garaagarummaa jiruu akkamiti ibsuu danda’a?
4. Waaqayyo akkamitti teessoo Daawii irra nama taa’u akka hin dhabne abdi galee (2<sup>ffaa</sup> Saamu’el 7) amma immo akkami dha waa’ee Yerusaaleem guutummaa guutuuti baduu fi hundeen mootummaa ishee addan cituu kan inni argisiisuu?

# MIKIYAAS 4

## HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Tsiyoon keessatt moo'uu Gooftaa	Ulfina Yerusaaaleem isa fuulduraa fi haaromuu mootummaa Daawiit (4:1-5:15)	Moo'uu Gooftaa isa kan adunyaa guutuu	Yahiween fuulduraaf Tsiyoon keessatti moo'uu
4:1-3	4:1-4	4:12	4:1-4
4:4-5		4:3-4 4:5	4:5
Moo'uu Tsiyoon isa fuulduraa	4:5	Israa'eel boojiudhaa ni deebiti	Kan gargar bittimaa'an sabni gara Tsiyoonitti walitti qabamu
4:6-8	4:6-7 4:8	4:6-7 4:8-12	4:6-7 4:8
4:9-10	4:9-10		Marfamuu Tsiyoon, booji'amu fi bilisa Bau 4:9-10
4:11-12	4:11-13		Diinni iddoo midhaan itti tumanitti ni tumama 4:11-13 Dhimmachuu hidda mootummaa Daawiit
4:13		4:13-5:1	4:13-5:1
4:14			

### DUBBISA MARSAAAdaffaa(fuula vii irraa)

#### *SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

## SENEFFAMMA QAYYABBANNA KAN KA'UMSAA

Miikiyaas 4:1-3 Isa 2:2-4 baayee wal fakkenya qaba. Seer-luga barreeffama dhaalchisuuf ifatti inbeekama. Kunnis Miikiyaas fi Isa inni tokkoo isa tokkoo irraa dhaalera. Yookiin kan biraa burqaa sadaffaa dhaalani ta'uu danda'a. Kitaabni Miikiyaas seena lamaa yeroo kan ibsuu fakkaata. Dabalataanis tarii mallatto bara dhumaa argisiisa. Kitaabichi walumaa galatti (1ffaa) Lola Soriyaa fi Efreem Syro-Ephramatic (Dhaloota Kiriistoos duraa bara 735) Seenaan isaa yookiin (2<sup>ffaa</sup>) kan Yihudaa Asoriin Seenakireeb (Dhaloota Kiriistoos dura bara 701) boojia'amuun seenaa isaa argisiisa. Ta'us garuu boqonnaa afur jalqaba irratti isaan lamaan seenaan gara fuula duraatti ta'uuf kan jiran (1<sup>ffaa</sup>) Lola warra Babiloon (lakk.10) fi (2ffaa) kan seenaa kufaatii akkasumas isa dhufuu mootummaa Waaqayyo akka ilaalan gargaraa, kana kan ilaalate deebii kan hin arganee muraasa kan hin jedhamne gaaffoolleen jiruu?

1. Raajonni kakuu moofa dhuufaatti Masihii lamaan isaa kan argee jiraa?
2. Kun kan inni argisisuu Yihudaa irratti kan xiyyeefatee bara kumaa dha yookiin yookiin walda kiristaana irratti kan xiyyeefatee kan barabaraatii?
3. Mootollee fi saboonni Yaahiwwee yookiis Masihii kan amanani fi duuka kan bu'an in ta'uu yookiis amma dhumaatti kan itti hadha'ee dinoota in ta'uu?

## QAYYABBANNA JECHAA FI GAALEE

### **Miikiyaas 4:1-5**

<sup>1</sup>Bara booddeetti tulluun manni Waaqayyoo irra jiru,  
tullota hundumaa keessaa akka isa caaluutti jabaatee in dhaabata;  
gaarota hundumaa gafarraatti ol in ka'a;

sabni hundinuu gara isaatti il in yaa'u.

<sup>2</sup>Sabni lafa irraas baay'atanii in dhufu;

Xiyoon keessa seerri, Yerusaaalem keessaas dubbiin Waaqayyoo waan Bauf,

“Karaa isaa akka inni nu barsiisuuf,

nus daandii isaa irra akka adeemnuuf, kottaa gara tulluu mana Waaayyootti,

gara mana Waaqayyoo isa kan Yaaqoobitti ol in baanaa!” in jedhu.

<sup>3</sup>Inni saba baay'eee gidduutti firdii in kenna,

saba jajjaboo fagoo jiraataniifis murtoo in godha;

isaan billaa isaanii maarashaa,

eeboo isaaniis isa ittin muka qeexxa'an in tumsiifatu;

egaa sabni satti billaa hin liqqifatu, isaan deebi'aniis lola hi baran\*.

<sup>4</sup>Garuu isaan adduma addan muka waynii isaanii jala, harbuu isaanii jalas in taa'u;

namni tokko illee isaan hin sodaachisu;

isa kana immoo afaan Waaqayyoo gooftaa maccaatu dubbate\*.

<sup>5</sup>Sabni warri kaan hundinuu adduma addaan maqaa

waaqayyolii isaaniitiin in deddeebi'u;

nuyi garuu yeroo hundumaa bara baraan

maqaa Waaqayyoo keenya gooftichaatiin in deddeebina.

**4:1;3-5** isaan kunnis jechoota Miikiyaasi. Akka lakk.9-13 lakk.2 irratti kan mootummoollee yookaan saboota dubbii yoo ta'uu lakk.6-8 immoo dubbii Yaahiwweeti. Kutan kun kana Isa 2:2-4 kan wal fakkaatuudha.

**4:1 “Bara gara booddeetti”** gaaleen kun (BDB 31 CONSTRUCT with BDB 398) kakuu moofaatti irra deddeebi'amee ibsameera. (Uumama 49:1, Seera lakk.24:14, Kes 4:30 fi 31:29, Isa 2:2, Erm 23:20 fi 3:24, 48:47, 49:39, Izr 38:16 Daani'eel 10:14 Hose'aa 3:5, Miikiyaas 4:1) BDB (p.31) bifa kanaan ibsa. “Akka yaada fi ilaalcha dubbataachi kan seena dhumaa isaa kan inni geessuu qabiyyicha wajjin gara garummaa qaba. Garuu baay'ee isaa dhuufaati Masihii wajjin wal fakkeenya qaba.

Gaalichii garaa garummaa murta'ee qaba

- 1) Daani'eel 2:28 BDB 1079 CONSTRUCT BDB 1095 wajjin (bara dhumaa)
- 2) Hizzira 38:8 BDB 31 CONSTRUCT BDB 1040 wajjin (bara gara booddee)

Hizzira 38 irra gaaleen jiruu gaalee raajoota beekamoo jechuun “guyyaa sana” wajjin wal cina qabamu (Hizzira 30:2-3, 38:10, 14, 18, 39:11 akkasumas Isa 2:12, 10:3, 13:6 fi 9:34, 2 fi 8::61, 2, Erm 30:7 fi 8, Yo’el 1:15, 2:11, 31 Obaadiyaa 5:18, Sefooniyaa 1:14, 15, 16, fi 18).

Yeroo bara Macaafa Qulquluu barreeffame keessa jiraataa turan Yihodootni yaada-rimee dhalootaa lamaa qabu turan (1) dhaloota ammaa isa hamaa (Uma<sup>3</sup>) kan jalqabamee fi (2) kan gara bara booddee bara tolaa “bara Masihii kan eebbifamee jalqabe” (Miikiyaas 3:12-13, 5:1-5a) ta’us garuu kan itti fufuu kan kakuu haara mul’achuu irra (adeemsaan dabalaa kan deebuu mul’achuu) kan hubbannuu Masihii yeroo lamaan malee yeroo tokko qofa akka hin taane dha.

Yesus Beet’elemitti dhalachuu irraa ka’ee hanga deebi’ee dhufuutti yeroon jiruu “bara dhumaa” jedhamee beekama. (Ibsa) hiikii kennuu kan qabu yaadi kan Masihii deebi’ee dhufuun isaa yoom ta’aa? Kan jedhu dha. (1) yoom akka ta’ee kan hin beekamne yeroo gara fuulduuraa? (2) bittaa waggaa kumaa lafa irratti duraa? (3) jalqaba barabaarani dura? Isaan gaaffiin kun waa’ee gara fuulduraa bara ilaalcha nu qabnu In qaqabata. Kana jechuunis lafa kan faakkatuu (kan haraa’ee ganata Eeden ta’a?) yookan raawwatee adda kan ta’ee (Iffaa Qoronxoos 15:39-49)? Macafa qulqulluu jecha jechaatti in ilaalee? (isa duraa yeroo waggaa kumaa) yookiin hiika seer-luga barreeffamaa D. Brent Stand, Plowshares and Pruninghooks)? Kanaaf mata dureen addaa dhalootni lamaan Hose’a 3:5 irraa ilaali.

■ **“Tulluu mana Waaqayyo”** Yerusaaleem tulluuta torba irratti kan ishen ijaarante. Kana keessaa lamaan beekamoo ta’aan gaara Mooriyaa (manni qulqullumaa kan irraa dhaabate) fi gaara Xiyoon (kan Iyaabusawoota gamoo durii fi kan mootii Daawiit iddo itti argama jechun boodeetti magaalaa fakkeenya ta’anidha (lakk.2)

Gaarii Waaqayyo akka iddoo bultiitti fakkattii Meesopotamiyaairraa Hibirootan (Far 48:2, 87, Isa 14:13, Hizzira 28:14) fi Giriin seer-luga barreeffamaa Roomanoota irra deddeebi’ee mul’ateera. kana kan ilaalatee barreeffamaa nama harkisuu (Divine Assembly” in Dictionary of Bibleal Imagery fuula 50-53 fi dabbalatan “gaaraa” (fuula 572-574) ilaala.

- 1) Warra Messopotamiyaatiif Zeguraatiis (tulluwwaan namni hojjeetan)
- 2) Warra Anana’ootaaf (gaara Zaafoon)
- 3) Warra Hibirootaaf gaara Xiyoon/gaara Moriyaa/yookiin Garaa kaaba
- 4) Warra Gilikiif gaara Olimpusi dha.

Miikiyaas kan Yerusaaleemii fi kan mana qulqullumaa (3:12) guutummaa guutuutti akka diigamtuu raajeera. Amma garuu Waaqayyo motummaa guutamma fiduu fi Yerusaaleemii fi ija kennuu danda’uu cimsee in ibsa. Waaqayyoo gaara Xiyoon ishee haara (“ishee haara Yerulsaam Mul’ata 21) irratti in mo’a. Gaarii hudhamee lafa irratti baay’ee gaara barbaadama in ta’a. (sarara 2:3 fi 4 walciinaa ta’uu yaadadhu) kakuu moofaa fi kakuu haaran kan gara fuulduraaf ergawwaan addummaa kan 4:7 yaadannoo ilaala.

■ **“Iddoo ol jedhaa irratti ol in jedha”** kun qooqaa fakkii kan mana qulqullumaa Yerusaaleem ol qabuu in ilaalata. Warri Yihodoota akkana jedhuu (gara Yerusaaleem haa deemnu) raada-rimeen kun gara yaada hundumaa haamateetti in deema. Gaarii Mooriyaa gara Waaqayyooti iddoo dhi’aatu guddaa fi kan jiraan kan itti marsan hundumaa irraa ol ka’aa akkasumas baay’ee bu’a qabeessa gaara ta’eedha.

■ **“Ormooti gara isaatti in yaa’a”** kana hundumaa kan haamatee irra isaa yaadadha. 4:1-3 kana kakuu moofaa keessatti irra deddeebiin mata duree xuqameedha. (Far 22:27, 66:4, 86:9, Isa 19:21, 23:27, 13:45, 20:25, 50:66, 23, Erm 3:17, 4, 2, 12:14-16, Zaka 2:11, 8, 20, 23, 14, 16 kakuu moofaatti akkamitti namooti gara mana qulqullumaa gaara Waaqayyo akka dhufan yaadadha. Kakuu haarati sabichii mana qulqullummaati gara alaatti yoo ergaman in ilaala. Matiihos 28:18-20, Luq 24:47, Hojii Ergamoota 1-8). Yesuusitti amanuun mana qulqullumaa Waaqayyoo kan ta’an sabooti jiru.

Yerusaaleemitti gara mana qulqullummaa isa booddee dhufuuf kan kakuu haara mana qulqullummaa gara biyya lafaa (saboota) in deemu.

■ **“Waaqayyoo hundumaa kan qabatee kan bara baraafi tola kayyoo isaa bakkan ga’uus hojii irra jira”** kakuu moofaa fi kakuu haaraa kan jiruu motummaa gara fuulduraa ergaan raajii garagarummaan isaa yaadannoo guutuu mata duree addaa 4-7 irra ilaalaa.

3:12 (Moorikoo) fi 4:1 (haaromsaa fi ulfinnaa ol ka’aa) gidduu kan jiruu wal madaalii yaadadhaa akkasumas kan dhufuu motummaa Masihii amala hundumaa haamachuu isaa yaadadhaa (2:13, 5:2-5a). kun hundumaa haamachuun isaa Isa fi Miikiyaasiin amala walfakkaata argisiisa, (Dani’eel 7:9-10, 13-14). Sabichi akka guyyaa

ayyanna kabajamuu waggaan kan dhufaan utuu ta'an yookiin akka dhufaniin gara mana saanitti kan deebi'aa utuu ta'ani wantichi ifaa in ta'uu ture.

Xiyeefannoon itti kennamu kan qabu qabiyyee boojuu warra Baabiloon (lakk.10) "in dachaa'uu" gochami jedhuu (BDB 625, KB 676, Qal PERFECT) boojuu jala waa'ee saboota turaniif harka waarra Baabilooni ba'aanii dachaa'uu isaaniti gochama argisiisuu (Qal IMPERFECT) wajjin bifa wal fakkaatan faayida irra kan ooledha jechuun (Erm 51:44) meeshaa Waaqayyoo fillatamaa kan ta'ee Qiroos (Isa 45:28) boojuu jala kan turan sabooti boojudha gara mana isaani akka deebi'an dandeesiseera.

**4:2 "Sabni lafa irraas deemani....in jedhuu"** lakk 2 ormoota jedhamuun kan ta'uuf waanta jechisiisuu in tuquu sabni biyya lafaa dhufuu danda'uu (Isa 11:10, 49:22) waaqi tookkoo erga jiraatee (1Mota 8:43, 60) hundumtuu fakkeenya isaati uumamaniruu (Uumamaa 1:26-27) fi hundumaa bilisaa baasuuf kakuu galeera (Uumama 3:15) achis "saba tokkoo" goolii dhumaati (Uumama 3:23-29, Ephesoon 2:11-3:13). Yaahiwween saba Israa'el jedhamtuu karaa isheen of mul'isuu jaallate. Innis dhumma irratti karaa adda ta'een kara Israa'eliin. Innis tajajilichaan (Isa 52:13-53:12) fi kara mucaa isaa (Far 2, 2ffaa Saamu'eel 7) dha.

Lakk.2 kana kan hin jedhamnee keeyai ajajaa jiruu

- 1) "Kottaa" BDB 229, KB 246, Qal IMPERATIVES (keeyata ajajaa)
- 2) "Deemaa" BDB 748, KB 828, Qal IMPERFECT
- 3) "Barsiisaa" BD 434, KB 436 Hihil IMPERFECT garuu kan dubbisaa xiyyaafannoo bifa barbaaduun
- 4) "Adeemaa" BDB 229, BDB246, Qal COHORTATIVE

■ **"Innis karaa isaa nu barsiisaa barbaacha isaattin in deemna"** amanti macaafa qulqulluutin kallatti sadituu jiru. Kan jalqabaa Waaqayyoon dhuunfaadhaan beekuu lamaaffaan fedhaa Waaqayyoo beekuu (macaafota qulqulluu Far 19:7-14, 119-176) fi sadaffaan akka fedha Waaqayyotti jiraachu (macafaa qulqulluuf abomamuu Isa 51:4-8) Waaqayyoo amala isaa saba callaqisisan in barbaada. Galmii Waaqayyoo yeroo hundaa biyya lafaa bira ga'uudha. (6<sup>ffaa</sup> fi 7<sup>ffaa</sup> sararoota ilaalii) uumamni ilma namaa Waaqayyoo wajjiin tokkummaa akka godhatuuf.

**4:3 "Inni saba baay'ee giddutti firdii in kenna"** kun kan Yihudaa adeemsa firdii gidduu kan jiruu kan babalatee wal madaalchisudha. 3:1, , 11). Firdii Yaahiwwee (Firdiin Masihii akka Izziraa, Isa 11:3-5, Miikiyaas 5:4) sabaaf nagaa in kenna malee in saamuu (Isa 2:2-4).

■ **"isaan billaa isaanii maarashaa, eeboo isaaniis isa ittin muka qeexxa'an in tumsiifatu"** kun yeroo Mashii nagaa kan ibsuuf fakkii gaariin ibsuuf dha (Far 46:9, 76:3, Hose'aa 2:18, faallaan Yo'el 3:10 irratti bakkeetti ba'eera).

Isaan meeshalleen qonnaa kun raawwii kan uumamaa ifaa in ta'u (BDB 88 II). Sibila irraa kan hojjetaman ta'us garuu mukaa irraa akka waan hojjetameeti kan lafa ittin qotan utuu hin ta'in akka gargar baafuu in tajaajilu turan. Isaan kun immoo caafii mukaa irratti kan ka'aaman meeshoota sibilaati.

■ **"Isaan deebi'anis lola hin baran"** gochamii baruu jedhuu (BDB 540, KB 531, Qal IMPERFECT) barachuu yookaan shaakalu jedhuudha. (Fakkeenyaaf, Kes 4:10, 17:19, Far 119:73) kun lola ilalachuu danda'a. jechuunis kan dhufuu hundumaa kan haamatee haroomsa qofa utuu hin ta'in itti fufeenyaan kan itti fufuu dha sarara lakk.7 sarara 4<sup>ffaa</sup>).

**4:4 Namni adduma addan muka waynii isaanii jala, harbuu isaanii jalas in taa'u"** Israa'eel fi Yihudaan hawaasa qonnaan kan beekaaman fakkeenyaan ibsuun nagaa fi gammachuun kan guutamee jireenya qonnaa argisisa. Isaan gaaleewwaan kun sanyii Abirahaam hundumaa haroomsaan gara biyyatti abdiid deebi'uu in calaqisiisa. Kun kan maatii hundumaa dhaali haraa'udha (1Mot 4:25, Isa 36:16, Zak 3:10).

■ **"Kan isa sodaachisuus hin jiruu"** kakuu moofaatti sabni Waaqayyoo kan tajaajileef abdiid fi kakuu irratti hunda'ee yoo jiraate, Waaqayyoo da'oo isaanif ta'a (Lew 23:3-6) Miikiyaas keessa kutaan jiruu kan inni calaqisiisuu kan bara dhumaa jechuun Masihiiin argamuu fi bittaa isaati.

■ **"Waaqayyoo gooftaa maccatuu dubbatte"** kun kan inni dubbatu sagalleen Waaqayyoo cimaa fi amanamaa ta'uu isaati (Isa 40:5, 8, 45:23, 55:11). Kan Waaqayyoo sagalleen abdiid fi amanamummaan isaa ijoollee namaatiif hundee amantiiti (1Mot 8:56).

Waaqayyof kan kennamee maqaan olaantummaa “gooftaa maccaa” Israa’el Yuhudaas kan ilaalate qabiyyichi Waaqayyoo ajajaa waraanaa fi maccaa ergamootaatiif dura taa’aa ta’un in argisiisa. Qabiyyeen tokko tokkoo fakkeenyaaf (kan warra Messopotaamiyaa waaqeffannan urjii immoo akka waaqeffatoota waaqa tolfamaati barsisooni ifa samii booda waa’ee waaqa tolfama jirani yookiin ergamootaa dha. isaan fakkeenyaaf, plaaneetota, urjiiwwan, Kometota). Amos 1:2 irra maqaa Waaqarraa kan jedhuu adda irra ilaalaa).

**4:5** Luqisiin kun qabiyyichaa alaa kan ta’ee fakkaata. Waa’ee isa itti fufuu fi hundumaa kan haammatuu kan ta’ee waaqa dhugaa tokko qabiyyee dubbatuu gidduu luqisiin kun akka yaada keessumaatti ibsameera. Kan Israa’el Yaahiwwee namoonni tokko tokkoo akkasitti ilaalu

- 1) Kun ulfinaan kan guutamee yeroo gara fuulduraa hin mulanne sababnii isaas biyyonni hundinuu (sabooti) kan mataa isaani ilaalcha qabu (2ffaa Mootota 17:29)
- 2) Hundumtuu sabooti biyya lafaa Yaahiwween eenyu akka ta’ee gara fuuldurattis yoo ta’ee yeroo sanatti yeroo adda ta’eetti beekuu hin danda’an (fakkeenyaaf Mul’ata 22:15)
- 3) Kun gara Yerusaaaleem waa’ee saboota dhufani Yaahiwween guddaadhaaf kan bara baraa Waaqa isaani akka ta’ee kan ittin mirkaneefatan dha. (lakk.1e, 2a, 3a fi b).

Boqonnaa kana keessatti “saboota amananii” fi “saboota in amane” gidduu kan jiruu yaadi madaali mul’ateera (lakk.1-4 fi 4 fi 5)

### **Miikiyaas 4:6-8**

**<sup>6</sup>Waaqayyo, “Gaafas ani warra hokkolan walitti nan sassaaba, warra bittimfaman, warra ani hamaa irratti hojjedhes walitti nan qaba\*.**

**<sup>7</sup>Ani warra hokkolan, warra hafanii qusataman, warra achi fagaatanii turanis saba jabaa nan godha; tulluu Xiyoon irrattis, gaafasii jalqabee hamma bara baraatti isaan irratti nan mo’a” jedhee dubbateera\*.**

**<sup>8</sup>Ati immoo yaa riqaa eegduun hoolotaa irra ijaajjuu, yaa tulluu mandara Xiyoon!**

**Akka duritti mo’uun harka keetti in deebi’a, mootummaan mandara Yerusaaalem in dhufa.**

**4:6-8** kutaan kun kan jalqabaa kitaaba Miikiyaas mata duree boqqonnoota itti fuufiinsaan argisiisa. Jechuun Waaqayyo akka tiksee (2:12-13, Far 23, Isa 40:11, Izr 34)( kan tajaajilaniif kan yaaduu isaan alaa tokkollee kan hin jiree ta’uu (Isa 35:5-6, 61:1-2, Erm 31:8, Safoniyaa 3:19).

**4:6 “Guyyaa sanatti”** b:1 irra kan jiruu yaadannoo ilaalaa.

- ❑ **“Warra hokkolan”** kana jechuun kan madaa’aan tuuta hoolota jechuu dha. (BDB 854 II, Sefoniyaa 3:19).
- ❑ **“Walitti qabuu”** warra hokkolaniif wara bittifaman akka wal madalaan gochama jecha kana irratti akkuma sana dha.
  - 1) “Walitti qabuu” (BDB 62, KB 74, Qal COHORTATIVE)
  - 2) “Iddoo tokkoo taa’u” BDB 867, KB 1062, Piel COHORTATIVE
- ❑ **“Qofaatti kan baafaman”** jechi kun jecha jechaan hoola tuuta irra ba’ee argisisu (kan jibbee BDB 621, cf, Sefoniyaa 3:14).
- ❑ **“Warran isaan dhiphisee”** Waaqayyo mataa isaatiin saba isaa irratti firdii fideera. Iddoo kanatti warra hokkolaniif fi warra jibbee sababni isaa saba isaa gara Waaqa amanachuutti deebisuu waan barbaadeef. Waaqayyo miseensa maatii isaa in adaba (Ibiroota 12:5).

**4:7“Warra hafani qusataman.....saba jabaa”** Waaqayyoo yeroo hundumaa namoota murasaan wantoota in jalqaba fakkeenyaaf Addaami fi Hewwaan, Nohii, Abirahaam, Musee isaan biros akkas jechuun isaan muraasa amantoota akka urjoota waaqa irraa gararaa akka cirrachaa daangaa galaana gararaa biyyoo lafaa irraas gararaa in ta’uu jechuu dha. Uumama irraatti abbooti amantaaf abdii kennameedha. Yaahiweetti kan amanan biyyaa lafaa guutuu in danda’uu jechuu dha.

Waaqayyo mataan isaa yookaan Masihiin (1<sup>ffaa</sup> Qoronxoos lakk.1 kakuu hundeessuu fi 2<sup>ffaa</sup> ofi keetti ilaalcha macaafa qulqulluu world view wal-bira qabu biyyi lafaa iddoo tokkootti hojii isaa isa guddaa kana (hunda kan haamatee) raawwachu in danda’ama. (Hizzira 36:22-38) kayyoon Waaqayyo yeroo hundaa ijoollee namaa



hundumaa in dabalata (Uumama 1:26-27, 3:15, 13:3, Bau 19:5-6). Uumama irratti Jannatti Edeen iddoo addaati. Bau keessatti Iyyaassuun biyyatti abdiin sun biyya addaa turte. Bara raajootaatti Yerusaaaleem iddoo addaa turte. Kakuu haaratti immoo samii irraa kan buutuu Yerusaaalem ishee haara dha. Akka hiika waaqa irratti mufannoo jechi jedhu Miikiyaas 2:12 irraa kan jiruu mata duree ilaali.



NASB, NKJV,

REB “kan jibbamtee”  
 NRSV “Kan adda baafamtee”  
 TEV “Kan dhiifamtee”  
 NJB “Fagootti kan gatamtee”  
 NIV “Kan hari’atamtee”  
 NAB “Fageenyaan kan gatamtee”

Barreefamni warra Hibiroota ifaa miti. Asi irratti kana kan hin jedhamne sirreefamni itti kennameera.

- 1) “Fagaachuu” –BDB 229, KB 245
- 2) “Kan dadhaban”
- 3) “Kan dhukkuban”
- 4) Kan dhukkubban” (JB)

▣ “Waaqayyo gaara Xiyoon irratti isaan irratti in mo’aa” kakuu moofaati bittuu fi tiksuu gidduu wal madaaliin seer-luga barreeffamaa jira (fakkeenyaaf tikee 5:4 fi bittu 4:7, 5-12).

▣ “Isa boodee amma bara baraati” lakk. kun wali galtee wajjin wal madaala. Waaqayyo sagalleen abdiin isaa inni dhugaan kayyoon isaas cimaadha. Ta’us garuu adeemsaan itti dabalaa kan adeemu mul’atni jira. Kakuu moofaan gara kakuu haaratti ce’eera. Waaqayyo mataa isaa haala adda addaatiin ibseera gaalmii olanaan garuu isaan wajjiin jiraachuu dha (Hose’aa 2:19 mata duree adda (‘Olam bara baraan) ilaalaa.

**MATA DUREE ADDAA: KAKUU MOOFAA KEESSATTI WA’EE ISA FULDRAA KAN AGARSIISAN KAKUU HAARAA KEESSATTI WAJJIN**

(kun kan fudhataman ibsituu koo isa Mul’ata Yohaannis irratti hojjetame, “barreeffama bu’uuraa isa barbaachisaa” kan jedhu irraa dha.

**Muddama inni tokkoffaan** (kan kauu moofaa kan sanyii kan biyyummaa fi kan ramaddii teessuma lafaa kan Addunyaa irratti argaman amantoota hundumaa wajiin) hundumtuu kan Kakuu Moofaa raajoonni Filisxeem keessatti Yerusaaaleemiin giddu daleessa kan godhatee bittaawwa Yihudoota ammas akka deebisuuf uummata biyya lafaa seera bitaa Daawiti ol ol qabuu fi tajaajilugara kanatti akka sasaaban raajaniiru, haa ta’uu malee yesuusiinis ta’ee ergamooti Kakuu Haaraa tassumaa dhimma kana irratti hin xiyyaafanne. Ibsi Kakuu Moofaa haafuraan in sakkata’amne (Mat 5:17-19) jechudhaa? Yookiis Kakuu Haaraan macaafichi kan raawwate dhugaa isa guddaa dadhabsiiseeraa?

Waa’ee dhuma biyyaa lafaa kan yaadachisaan maddi baay’een jiruu

1. Raajoonni Kakuu Moofaa (Isa , Mikiyaas, Milkiyaas)
2. Kan Kakuu Moofaa guyyaan dhufaati bareesitootni (Hizqi’eel 37-39, Dani’eel 7:12, Zaka)
3. Luqisii barreeffama qulqulluu kan hin taanee kan Yihudoota guyyaa dhufaati barreeffama (akka 1 Henok waa’ee Yihudoota kan barreesse)
4. Yesuus mataan isaa (Mat 24, Mar 13, Luq 21).
5. Barreefamni Phawuuloos (1 Qorontoos 15, 2Qorontoos 5, 1Tesselonqee 4-5, 2Teseloonqee 2).
6. Barreeffama Yohaannis (Yoh isa duraatii fi mul’ata).

Isaan kun hundumtuu waa’ee raawwii yaada ifatti barsiisu (Kiristoos irraa namoota dura boodan) yoo hin taanee maaliif? Hafuuraan kan barratan miti (bara Yihudoota kakuu barreeffama irraa kan hafee)?

Jechaa fi rimmidiidhaan haa gargaaraniif haafuuri qulqulluun dhugaa isaa barreesitoota Kakuu Moofaatti ibseeraaf. Ta’es haafuuri qulqulluun isaan ibsa Kakuu Moofaa yaada dhumma biyya lafaa haggaa ammatuuti bal’iseera. (“dhoksa Kiristoos” Effesson 2:11-3:13).

Kan itti fufee jiruu fakkeenya qabatamaa ragawwan haa ilaaluu

5. Kakuu Moofaaa keessatti magaalaa Yerusaaaleem saba Waaqayyo (Tsiyoon) dhoksa argisiisuu taate tuqamte jirti, ta'us garuu, kakuu haaratti Waaqayyon amanani qalbi kan jijjiratan namooti hundumtuu akka simatuu kan argisiisuu dhi'eenya qaba (kan mul'taa magaalatti haara Yerusaaaleem). Barreefami barsiisa Waaqayyummaa fi magaalaa qaaman turtee gara ishee haara saba Waaqayyoo magaalaa balinnatti (kan Yihudootaati fi amantooti Faarisoota) tokkoll4e Yihudootaa fi magaalaa Yihudoota utuu hin jiraatiin dura Waaqayyo kan kufee ilma namaa oolchuudhaaf kakuu inni galee ta'uu isaa Uma 3:15 ibsamee argama. Waamamuun Abirahami illee (Uumama 12:1-3) Fariisoota hirmachiise ture (Uumamaa 12:3, Bau 19:5).
6. Kakuu Moofaaatti dinni saba Waaqayyo kan turan kan naannoo kan durii biyyoota baha dhi'oo turan haa ta'uu malee Kakuu Haaraati diinni saba Waaqayyo warra in amane haafura seexanaatiin kan geggeefamanii fi diinna saba Waaqayyoo gara warra ta'ani bal'ata dhufeera. lolichi olla irraa walitti bu'iinsa naannoo gara biyyoolessaati fi walitti bu'insa wali galaatti ce'eera (Qolasiyaas)
7. Kakuu Moofaaati murtaa'e kan turee abdiin biyyatti (kan Uma abboota amanti kakuu isaani Uma 12:7, 13:15, 15:7-15, 17:8) amma gara biyya lafa hundumaati bal'ateera. Amma Yerusaaaleem ishee haaraan kan baha dhi'oo qofa yookaan kan murtooftee utuu hin ta'iin haara irra deebite kan lafa uumamate taatetti (Mul'ata 21-22).
8. Bal'ataa kan dhufaan yaada raajii Kakuu Moofaaa gidduutti fakkeenya murta'an kan ta'an (1) Amma sanyii Abirahaam namni haafuura kitaanameera (Rom e 2:28-29) (2) Amma sabi kakuu hormootas hammateera (Hose'aa 1:10, 2:23, Rom 9:24-26 tuqameera dabalataan Lew 26:12, Bau 29:45, 2 Qor. 6:16-18 tuqameera. Akkasumas Bau 19:5, Kes 14:2, Tiitoo 2:14 tuqameera). (3) Amma mani qulqullummaa Yesuuusidha, akkasumas karaa isaa waldaan kiristaana naannoo (1 Qor. 3:16) yookaan amanaan dhuunfaa (1 Qoroonxoos 6:19) fi (4) Amma Kakuu Moofaaati goochmni kan ibsamee Israa'eli fi amala ishee walummaa galatti kan argisiisan saba Waaqayyotti (jechuun, "Israa'eel" Rom e 9:6, Gal 6:16 "mootummaa luboota" 1 Phexiroos 2:5, 9-10. Mul'ata 1:6).

Fakkeenya raajii xumureera, babalateera, amma immoo caalatti hundumaa kan ammatu ta'eera. Yesuusi fi barreesitooti Ergamoota waa'ee bara dhumma akka raajoota Kakuu Moofaaatti fakkeessani hin dhi'eesine (Martiin Wayin Gardeen, mootummaa gara fula duraa raajii fi raawwata).

Kan kakuu moofa kan jiruu barreeffamni fakkeenya yookaan boca kan fudhatan hiiktooti ammayyaa mul'ata caalatti barreesitootni Yihudoota kan ibsuu fi kan Yesuus akkasumas kan Phawuuloos gaalee Atomayiziidii, bitaacha kan namatti galchu gochuu miciraniiru! Barreesitooti kakuu haara yaada raajoota Kakuu Moofaaa guddaa dhaa fi ta'ii biyyoolleessa kan argisiisuu akka ta'an ibsuu malee kan wal falleessan miti. Kan Yesuus yookaan klan Phawuuloos barri dhumma ibsii tokkoollee kan qinda'ee fi ta'uu kan qabuu seera hin isan hin barbaachifne. Akeeki isaani guddaan fayyisuuudhaa fi yookaan barumsa hafuurati. Ta'us garuu Kakuu Haaraa keessatti illee yoo ta'ees dhiphina qaba. Waa'ee haala bara dhuma tokkoollee dursaa haala seera hin qabu. Mul'ati karaa baay'eedhaan Yesuusi waa'ee bara dhuma yeroo ibsuu barrumsa inni barsiise irraa caala kan Kakuu Moofaa fakkeenya gargaaramuun isaa kan nama diqisiisu (Mat 24, Mar 15) Hizqi'eel irratti Daani'eeli fi Zakiin kan jalqabee barreeffama Sharbee (genre) hordofa ta'us garuu bara kakuutti guddataa dhufeera (bara Yihudoota dhumaati barreeffama). Kun tarii Yohannis kan dulloomee fi kakuu haara karaa inni tokko godhe ta'uu danda'a. barri dheeran kun hameenya namaa jiruu fi kutannoo fayyisuu Waaqayyo argisiisa. Ammam illee kakuu haaran qooqa Kakuu Moofaa, namaa fi mudannoo fayyaddamuuf haalota deebisee kan ibsu garuu kan Room ilaalcha jaarra jalqabaati.

### **Muddama lammaaffaa** (Waaqa tokkoo waaqessuu saba fillatamanii wajjin)

Xiyyaaffannoon Macaafa Qulqulluu tokko eenyummaa, nama haafuraa, uuma/fayyisaa kan jiruu Waaqayyoo irrattidha. (Bau 8:10, Isa 44:24, 45:5-7, 14, 18, 21-22, 46:9, Er 10:6-7). Kakuu Moofaa adda kan godhuu yeroo isaatti waa'ee Waaqa tokkoo ibsuu isaati. Mootummooti naannoo turan walummaa galatti waaqollii baay'eetti kan amanan turan. Mul'ati Kakuu Moofaa kan argisiisuu Waaqayyo tokko akka ta'eedha (Kes 6:4). Uumamni Waaqayyoodhaan akkasumas bifa isaatii fi fakkeenya isaa (Uumama 1:26-27) nama uumamee gidduutti kan xiyyafamee tokkummaan sadarkaa tokkoodha. Ta'us garuu namani jalaala Waaqayyotti qajeelfamaa fi naannoo irratti cubbuu hojjechuudhaan didee (Uumamaa 3). Jaalalli Waaqayyo fi akeeki isaa baay'ee cimaadhaa fi dhugaa ta'uu isaa irraa kan ka'ee Waaqayyo sanyii namaa kufee akka oolchu kakuu galeera (Uumama 3 :15)!

Dhiphinnichi kan inni itti dabale Waaqayyo sanyii namaa hafee ga'uudhaaf nama tokkoo, maatii tokkoo, saba tokkoo, yeroo fillateetidha. Waaqayyo Abirahamii fi Yihudoota akka mootummaa lubootaati (Bau 19:4-6)

fillachuun tajaajila caala ulfinna, walitti qabachuu caala walitti qabuu dhiisuu uumeera. Waaqayyo waamichi inni Abirahaamiif godhee sanyii namaa hundumaa eebbisuuf akeeke ture (Uumama 12:3) fillannoon Kakuu Moofaa kan ture tajaajilaaf malee birmadummaadhaaf akka in taanee yaadachuun xiyyaafannoo kan kennu ta'uu qaba. Walumaa galatti israa;el amantaa dhuunfa isaanitii fi maboomamuu isaani (Uumama 15:6, Rom e 4 keessatti xuqameera.) Malee Waaqayyodha wajjin waan wal qixxeessaan callisee dhalachuun mirgii isaani qoftii raawwatani barabaraan kan fayyan miti (Yhannis 8:31-56, Mat 3:9). Israa'el ergama ishee dogogorteeti, itti gaafatamummaa ishee gara bu'aatti, tajaajila ishee gara ejjennoo addatti jijjirteeti! Waaqayyo hundumaa fillachuuf tokkoo filateera!

### **Muddama sadaaffaa** (fudhatama kan argatan kakuu haala dursuu kan hin qabne kakuu wajjiin)

Dursa haala kan qabanii fi kakuu hin qabnee giddutti muudama barrumsa haafuuratiin yookaan jechoota wal faalleessan qaba. Akeeki fayyisu Waaqayyo dursa haala kan hin qabne akka ta'ee ifaadha (Uumamaa 15:12-21). Ta'us garuu namaaf dirqamni inni kennee deebiin isaa yeroo hundumaa durs haara kan qabuudha!

Lamaanuu Kakuu Moofaa fi kakuu haara keessattii “akkas yoo ta'ee.....akkas in ta'a” bareefamni bifa akkasi in mul'ata. Waaqayyo amanamadha, ilmii namaa garuu amanamaa miti. Mudamii kunni baay'ee bitaacha kan namatti galuu fideera. Kan hiikaan“bitaacha itti galuu irraa handhura” gara isaa tokkoo qofa irratti xiyyaaffannoo gochuun jal'isaniiru, amanamummaan Waaqayyo yookaan yaaliin namaa olaantummaa Waaqayyoo yookaan fillannoo bilisaa namaa. Lachuu Macaafa Qulqulluudhaaf barbaachisaadha.

Kun amma bara dhumaati Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti Israa'eliif kan kenne sagallee abdiin wajjin adeema. Kakuun sagallee abdiin kana erga kenne, akka raawwatamuu in godha sirridhaa? Waaqayyo sagallee abdiin isaa wajjin kan walitti hidhameedha kabajji Isa isa wajjin adeema (Hiz 36:22-38). Dursa haala kan qabaniif kan in qabne kakuu Kiristoosiin tokkoo ta'uu (Isa 53) malee Israa'elin miti. Amanamummaan guddaan Waaqayyo qalbii kan jijjiiratanii fi kan amanannoo hundumaa irratti oolchu godhamuudha malee abban isaa/maatiin isaa eenyuudha kan jedhuun miti! Kakuu Waaqayyootii fi sagallee abdiin isaatiif furtoon Kiriistoos malee Israa'eliin miti.barrumsa haafuraa Macaafa Qulqulluu keessatti yaada jalqabaa irraa adda ba'ee kan mul'atuu yoo jiraate kun waldaa Kiristaana utuu hin ta'ii Israa'elidha (Hojii Ergamoota 7 fi Gal 3). Ergama labsii wangeella biyyaa lafaa gara waldaa Kiristaanatti darbeera (Mat 28:18-20, Luk 24:47, Hojii Ergamoota 1:8). Kun haggaa ammatti dursa haala kan qabuu kakuudha kana jechuun Waaqayyo guutuu guutuutti Yihudoota dhiiseera jechuu miti (Rom e 9-11). Yeroo dhumaatti amanuu Israa'el bakkaa fi akeeka qabaachu danda'a (Zaka 12:10).

### **MuddamaArfaaffaa** (boca barreefama bahaa dhi'oo boca warra dhi'aa wajjiin)

Macaafa Qulqulluu sirritti hiikuudhaan tooftaa barreefama isaa baay'ee barbaachisadha. Waldaan kiriistaana guddinna isheewarra Lixaatiin (Girikii) hundee aadaa ture. Barrefama warra bahaa kan ammayyoomee barreefama warra lixaa boca barreefamaa caalaatti baay'ee lkan ibsuuf jecha dhokkataadhaaf mallattoodha. Kan hawaasummaa dhugaa duuka jiru caalatti namaan, mudannoo dhaa fi ta'ii irratti xiyyaafata. Kiriistanonni seena mata isaanitii fi boca barreefamaa fudhachuudhaaf raajii Macaafa Qulqulluu (lamaanuu Kakuu Moofaaadhaa fi kakuu haara) hiikuudhaaf fayyadamuu isaani dhaloota tokkoon tokkoon isaati fi qaami lafaa mulata hiikuudhaaf aadaa mataa isaa, seenaa fi wanta ijoo fayyadameeti. Isaan giduudha tokkoo sirri hin ture! Raajii Macaafa Qulqulluu aadaa ammayyoomee warra lixaa irratti kan xiyyafateedha jedhanii yaaduun dogogora! Inni guddaan hafuuraan kan geggeefamee barreessan barreesuus kan inni fillatee tooftaa barreefamaa haala dubbistoota wajjiin bifa wali galuudhaan.

Macaafi mul'ataa seena kan odeessu miti. Macaafichii kan ergaa (boqonnaa 1-3) kan raajii fi irra caala immoo guyyaa dhuufaatti barreefama wal makkaadha. Macaafni qulqulluun isaa guddaa barreesaan kan karoorsee olitti akka dubbatu gochoos ta'ee barresan kan kaa'e gaditti akka ta'ee gochuu dogogora. Of tuulluamman warra hiikani kan akka mul'ata macoofonni jiran irratti caalatti sirrummaa isaa in mul'ata. Waldaan kiriistaana hiikuu sirriidhaan wali galtee hin beektu. Tuqaan koo inni gudaan Macaafa Qulqulluu muraasaan utuu hin ta'ii guutumaatti dhaga'uudhaaf qayyabachuu irratti. yaada warra bahaatiin macaafni qulqulluun dhugaa dhiphinna wajjiin walitti qabani qabatiiru. Nuyi warri lixaa immoo dhugaa yaadu irratti shaakala qabnu gatii kan hin qabne miti. Haa ta'uu malee kan wal madaale miti. Yaadi kankoo mul'ati yeroo hiikamuu dhalooti amanaan yoo xinnaatee wanti rakkissoon akeeka ittiin jijjiramaan yaadannoo kennufiidhaan balleessuun in danda'ama.

Hiiktooti baay'eedhaaf mul'ati mata isaatiin yeroo walitti dhi'eenyaa fi kan mataa isaa tooftaa barreeffamaa

hiikamuu akka qabuu ifaadha. Mul'ata irratti dhi'eenyi seena yeroo barreeffamuu dubbistooti jalqaba maal beekaa akka turan maal akka beekaaniifi maal akka hubatan kan hubaachisuu ta'u qaba. Karaa baay'eedhaan hiiktoonni ammayyaa mallatto macaaficha baay'ee hiika dhabaniiru. Kan mul'ataa yaada ka'umsa guddaa amantoota dhiphinna irra jiran jajjabeesuf ture. Kitaabichii seena Waaqayyoo akka to'atuu argisiiseera (raajoonni Kakuu Moofaaa akka godhan) seenan gara xiyyafatuuti bakka raawwata deema jiraachi isaa mirkaneessera. Gara murtitti yookaan gara eebbaatti (raajoonni Kakuu Moofaa akka godhan). Macaafichi jaarra jalqabaa kan Yihudoota guyyaa dhufaatti jecha jaalala Waaqayyoo, ulfinna, humna, fi olaantummaa mirkaneessera.

Macaafichi isaan wal fakkaata tooftaa barnoota Macaafa Qulqulluu amantoota hundumaatiif dhaloota tajaajiluu qaba. Kan gaarumaatii fi kan hameenyaa wallansoo ibsa. Jaarra jalqabaatti haali ibsa nurkaa bade ta'uu danda'a. Amma garuu warri cimmoohaaf bilisa kan baasaan dhugaan nurkaa in badu. Hiiki amma yya warri lixaa tarreefami mul'ataa gara seena mata isaanitti yeroo geggessan hiiki isaa gara bifa dogogoraatti sirreessa deema.

Warri dhumaa dhalooti amanoon diina Waaqayyoo geggeessa ta'ee (2Tesel 2) fi sababa aadaa waan jeeqamaniifhaali tarreefama macaafichaa bifa itti dhaga'amuun sirri akka ta'ee gochuun in danda'ama (akkuma Kakuu Moofaa Kiriistoos irraa dhalachuu, jireenyaa fi du'a wajjin kan wal qabate akka godhee ). Jechii Yesuus Kiristoos raga seena haggaa ta'anitti (Mat 24, Mar 13 fi Luq 21) fi Pawlooss 1Qorontoos 15; 2Tesolonqee 4-5 fi 2Teselonqee 2) karaa seenaa keessattis qabatama ta'eera. Waa'ee barreeffama macaafota mul'ataa raawwata isaa inni beekuu hin danda'u. Kan tilmaamaa ta'uu isaa, ragaan deggaramuu dhabuu isaa fi ifa ta'uu dhabuu isaa hundumtuu sirri miti. Guyyaan deebi'ee dhufuu barreefamni birmadummaa kana in iyyama. Seenefamaa seena fakkii caalaniifi mallattoo Waaqayyoof haa gallatuu! Waaqayyo hundumaa to'ateera in mo'a, in dhufa!

Baay'een tarreesitooni ammayyaa kan dhi'eesan toofta barreeffama kana tuqa dogogoru! Hiiki ammayya warra lixaa kan barbaadu, mallattoodhaan kan dhi'aatee deebi'ee dhufuu Yihudoota toofta barreeffama sirritti ibsuu caala ifa, kan salphatuu baruumsa Macaafa Qulqulluu seera barbaadu.

El Howaardii Maarshaal kan wal qixaaxe kan Raalfi. Maartiin *New Testament Interpretation* kan jedhu keessatti

“macaafa kakuu haaratii fi ibsa dhi'aatuu” barreefama jedhuu irratti dhugaan kun sirritti ibsameera “barreeffama kana dhi'aachuu nama hawatuun dandeeti yoo in hubanneefi dhugaa amantaa ibsuuf qooqi inni fayyadamee dhi'aannaa akka karaa guddaatti goonee yoo hin fudhanne malee waa'ee guyyaa deebi'ee dhufuu beekumsii nuyii qabannuu dogogoraa nama gadisiisuun, akkasumas keessa isaa mul'ata jiran hiikuudhaaf yeroo yaadnu akkuma barreeffama macaafaati lakka'uudhaan hojii irra kan oolan akkasumas yeroo isaa kan ibsan ta'ii seena irratti qofa xiyyaafannoo dogogoraa in hojjeenne. Duran dursee kan tuqamee haala hiikaa yaaluu irratti haalota hundumaa kan ammattu rakkinoota in fida. Caalatti xiyyaafannoo yeroo arginnuu kun waa'ee guyyaa dhufaatti hiika barbachisaa kan kennuu kan wal in dha'uu fi kutaa kakuu haara kan nama aja'ibsiisuu qooqaa seena kan ibsamuu karaa Kiriistoos kan dhufuu teessoo Waaqayyoo akkasummas bitta isaa irratti jabbina jiruufi yaada jaalalaa haala walitti buusuun kan uumuu ta'a (5:5, 6, leenchichi hooladha) (fuula 235).

W. Randiidoolfii hiikaa Macaafa Qulqulluu kan jedhuu macaafa isaa irratti akka tuqeetti

“Macaafa Qulqulluu keessa akka jiruutti guyyaan dhuufaati barreefamichi laphee kan nama rukkutuu fi gada kan namati qabsiisuu kan biraa tooftaa barreeffama in qabu, irraa guddaa kan Daani'eelii fi maccafi mul'ataa. Tooftaan barreeffama kun bifa barreeffamatiin qabiyyee isaatiif akeeka isaa kan qabatan kuta barbaachiisoo sababa in hubanneef seenaa keessatti baay'ee kan nama dogogorsan hiikaa balleessu bira ga'eera. Yeroo dhuufatti tooftaa barreeffamaa yeroo boodee maal akka ta'uu kan dubbattuu waan ta'eeef waa'ee haala fuula duraa akka qajeelfamaatii fi kaayyoo ta'ee mul'ataa tureera. Ilaalcha kana keessa kan jiruu rakkinni namaa gadisiisuu madaaliin macaaficha barreessa irraa caalaa kan dubbissuu haala har'a irratti hunda'uu isaanitti. Kun ilaalcha dogogoree (irra gudda mul'ata irratti) barreefama kana hiika dhoksa akka qabutti yaduudhaan mallattoo macaafichaa hiikuudhaaf haalota har'a fayyadamuudhaan akka danda'aamuti.

...Hiikii inni jalqabaa guyyaa dhuufatti tooftaa barreefamaa ergaa isa dabarsuudhaaf mallattoo akka fayyadamuu beekuu qaba. Jecha dhokataa ta'ee utuu jiruu mallattoo tokkoo kallattiin hiikuuf salphaati gara

dogogora hiikutti kan qajeelchuudha. Dhimmii isaa guyyaa dhuufaati tooftaa barreeffama keessatti ta'ii jiran seeneffama ta'uu dhiisuu isaani miti. Ta'iin kun seena ta'uu danda'a sirrittis kan ta'ee ta'uu danda'a

yookaan kan ta'an ta'a. haa ta'uu malee barreessaan ta'ii kan dhi'eesuu fi hiikaa isaa kan dabarsuu fakkii fi bifa boca seenatiin" (fuula 137).

Rikeen, Wiillihoositi fi Ballondi maansadaffaakan sirrtee kan Macaafa Qulqulluu fakkeenya samuu galmees jechoota

“dubbistooti har'aa tooftaa barreeffama kanaatiin bittaaacha itti galee akkasumaati abdi kutaniiru. Kan hin eegamne fakkeenya samuuf biyya lafa kana irraa haala ba'een shakaala ibsa isaanitiin baay'een qayyabbannaa Macaafa Qulqulluu bitaacha kan ta'aniif kan in qindoofta fakkeessa. Barreeffamni kun ifatti dhugaan mul'atuu qofa fudhachuun dubbistoota baay'ee ariitiidhaan 'itti fufee maaltuu' gara jedhutti murtootti geessa, kun immoo guyyaa dhufaati ergicha isa guddaa dogogorsa" (fuula 35)

**4:8 Ati immoo yaa riqaa eegduun hoolota irra ijaajuu** kana ta'uu kan danda'uu 1<sup>ffaa</sup> Bet'elemitti dhi'ootti kan argamuu maqaa bakkaa jechuun guyyaatti aarsaa kan ta'an hoolota bakka isaan itti yaasamanii dha (innis Jeeroomi fi tarrii Uumama 35:2, 1 yookiin Miigidaal Ediir (Migdal-eder) kun 5:2 keessatti raajii jiruu xiyyeeffannoo ta'a. Innis Masihii irra (cubbuun kan irraa hin jiruu hoola Waaqayyo kan ta'ee) wajjin yaada wal qabataadha (Yohannis 1:29) bakka dhaloota (2) saba isaa itti fufiinsa kan geggeessu mootiif yookiin tiksee (Waaqa kan ta'ee Masihii) wajjinis wal qabatee jira.

- 1) Gaara Xiyoon keessatti lakk.7 sarara 3
- 2) Riqaa eegdu lakk.8 sarara 1
- 3) Ijoollee durbaa Xiyoon Amos lakk.8 sarara 2 (lakk.10 fi 13)
- 4) Ijoollee durbaa Yerusaleem lakk.8 sarara 8

Kutaa kibbaa magaalaa gudditti argisiisuudhaaf (Yerusaleem Isa 24:23)

“**Haftee ijoollee durbaa Xiyoon**” kun tarii maqaa iddoo biraa ta'uu danda'a. Jechuun Ofe'eel/Ophel (BDB 779 I). Ofe'el manni jireenya Daawit bakka itti argamuu kutaa magaalaa Yerusaleem turte. Dabbalataniis kan haarefamee hundee mootummaa Daawit argisiisuu danda'a (2<sup>ffaa</sup> Saamu'eel 7).

“**Gara kee in dhuffii kan durfamtee bittaaan**” kutaan kun tarii Isa 1:24-26 calaqisiisu danda'a. Israa'eel erga itti murtaa'ee boodee gara guddummaa ishee duriitti in deebiti. Sirritti kun kan haaroomsaa fakkeenyaan ibsuu argisiisa sababni isaa kan gara fuulduraa eenyummaan ishee kan durii enyummaa ishee haala foyya'een jechuun hundummaa kan haamatee hin ta'a. innis yeroo dabarsitee (jechuun bara motummaa Daawit fi Solomoon) bara fooyaya'ee in ta'a.

### **Miikiyaas 4:9-13**

**<sup>9</sup>Ammas mootiin si keessa hin jiru moo? Ati maaliif guddiftee iyyita?**

**Gorsituun kee badnaan akka dubartii da'uuf jettuu ciniinsuun si argatee\*?**

**<sup>10</sup>Yaa mandara Xiyoon ciniinsifadhu, ijoollee kees of keessa baasi!**

**Isinis ijoolleen ishee amma mandara keessaa in baatu,**

**biyya keessattis bakkee in buufattu;**

**biyya Baabilon in dhaqxu; achitti in ooltu, achitti harka diinota keessanii keessaa,**

**Waaqayyo isin in fura\*.**

**<sup>11</sup>Amma yeroo kanatti immoo sabni lafa irraa baay'een si irratti walitti in qabamu,**

**“Isheen haa xurooftu, nus Xiyoon akkas ta'uu ishee arguutti in gammanna” in jedhu.**

**<sup>12</sup>Garuu isaan yaada Waaqayyoo hin beekan,**

**inni akka bissii oobdii irratti akka walitti isaan qabes, akeeka isaa hin hubatan.**

**<sup>13</sup>Ka'aa! Yaa ijoollee Xiyoon, siribiisaa!**

**Ani gaanfa keessan sibiila, kotte keessanis sibiila boorrajii nan godha;**

**isin saba baay'ee rukuttanii in hurreeffatu, waan isaan saaman Waaqayyoof,**

**badhaadhummaa isaaniis gooftaa guutummaa biyya lafaatiif addaan in baafu\*.**

**4:9-13** adeemsi seena isaa amma illee ifa miti. Garuu lakk.10 sababii Yerusaleem Dhaloota Kiriistoos dura bara 586 mootii Baabiloon isaa haara Nabuk-adinatsoor iira deebi'ee barbaada'uu kan argisiisu fakkaata.

**4:9 “Amma maaliif iyyitaa?”** kun kan yeroo booji'amuu in argisiisa Erm 8:19 ilaalaa.

■ **“Mootii waan hin qabneef?”** kun boqonnaa 3 irra kan kennamee gocha nama suukaneessu ibsa dha. Mootiin Waaqayyoo akka koo ta'ee utuu jiruu banaa kan godhuu yoo ta'ee sabichii gara mana eenyu haa jedhuu?

■ **“Yookiis gorsaa waan si duraa badeef?”** Mootii fi gorsituun wal madaalaa utuu jiraani lamaanu mataa mootoota in ilaalatu. Isa 9:6 maqaa taayitaa dhufaa kan jiruu Masihii fi mooti irraa maqoota kennaman gidduu dha Isa 3:1-3 ilaalii.

■ **“Akka dubartii deessu ciniinsuun kan sira ga’ee”** ciniinsuu (lakk.10 sarara 1-3) kakuu moofatti murtoo fi dhiphinna fakkeenyan ibsuu dha. (Isa 42::14, Erm 4:31 fi 6:24). Marqoos 13:8 fi Rom 8:22 irra akka jiruu kan dhaloota haara ciniinsuun fudhatameera (bara baraan).

**4:10**

**NASB**

**Akka dubarti deesuutti ciniinsifadhuu raafamtee da’i**

**NKJV**

**cininsifadhuu da’i**

**NRSV**

**ciniinsifadhuu iyyi**

**TEV**

**dhiphinaan iyyi**

**NJB**

**ciniinsifachaa sagallee kee ol kaasi iyyi**

Gochamni lamaan jechuun (“raafamtee” BDB 296, KB 297 fi “Ciniinsifadhuu” BDB 161, KB 189) keeyatoota ajajaati.

■ **“Amma magaalatidha in iyyita”** iddoo diriraa irras inteessa kun adda kan godhu kan argisiisuu Yerusaaalem qabamuu ishee booda kan godhame dirqamaan booji’udha. Sabni kun magaalati alaa yoo ba’aniis karaa isaani hundumaa lafa diriraa irraa dirqamaan akka ta’an godhameera.

■ **“Gara Baabiloonis in geessa”**kun adduman kan inni argisiisu kan isaa olaanaa motummaa Meesopotamiyaa Asoori fi lafa ishee lalstuu ooji’udha. Asor kurnaan qomootaa kaabaa (Israa’elin) Dhaloota Kiiristoos duraa bara 722 boojjudhaan fudhatee ture. Boqonnaa 1 fi 2 Baabiloon nimmii kan kibbaa qomoowwaan lamaan (Yihudaa) Dhaloota Kiiristoos boodaa bara 586 boojjudha fudhee ture (boqonnaa 1-2). Baabiloon immoo kan kibbaa qomoowwaan lamaan (Yihudaa) Dhaloota Kiriistoos duraa bara 586 boojjudha fudhateetti (3:12). Baay’een barreessitooni kan waaqarraa wa’ee Baabiloon xiyyafannoo kennun isaa dinqisiseera. Akkasumati kan seenaa duraa duubii adeemsa duuka hin buune Isa 13-14 irratti in mul’ata. Ta’us garuu Baabiloon kan jedhuu Meesopotamiyaa ilaalate ibsamu qaba. Sababni isaa bittaa warra Baabiloon warra Asor duraa waan tureef (Uumama 10:10)Uumama 11:4-9 wajjin wal qabatee immoo diina waaqa lafaa humnoota (akka Daani’eel) argisiisuu danda’a. kun immoo kan ergamaa mul’ata Yohaannis itti fayyadamaa kitaaba duuka bu’a 14:8, 16:19, 17:5, 18:2, 10:21).

■ **“Achitti si fayisaa, achittis Waaqayyo harka diinoota kee keessa si oolcha”** as irratti kan biraan kan abdiin xiqqo xiqqoon in mul’ata (sarara 7-9) jechuu murtichii dukkana ta’ee utuu jiruu (lakk. 10 ) booda guutummaa guutuutti jijjiraan mata durichaa in mul’ata. Kun mata duree haara lakk.11-12 irra taa’era. Barreefamni kun bilisa Bau (deebii boojuu Baabilooni) gara miidha fuulduraatti in geggeessa.

**4:11 “Amma yeroo kanatti sabni lafa irraa baay’een si irratti walitti in qabamu”** gaaleen kun kan warra Asor (fakkeenyaaf Seenakireem Dhaloota Kiristoos duraa bara 701) fi kan warra Baabiloon (fakkeenyaaf Naabuk-Adinatsoor Dhaloota Kiristoos duraa bara 586 loltoota qacaramani kan ilaallatu fakkata. Ta’us garuu kan duraa waggisa kuma ilaalcha qabu warri ibsan tokko tokkoo raajiin kun kutaa kitaaba egennoo isaani itti amannuu akka ragaati itti fayyadamu.

■

**NASB**

**“Kan faallamtee haa taatu’**

**NKJV**

**“xuraa’aa haa taatu”**

**NRSV**

**“Kan tuffatmtee haa taatu”**

**TEV**

**“Raawwate kan bade haa taatu”**

**NJB**

**“Qaani ishee nu haa argisiisu”**

Hiiki gochamichaa (BDB 337, KB 335, Qal IMPERFECT) hiika isaattin xiyyafannoo kan harkisuu JUSSIVE dha. jechuun “kan faallamtee” yookiin “kan tuffamte ha taatu” kan jedhudha Faarfanna 106:38, Erm 3:1, 9). Kan akkasi hundeen jechaa Isa 9:16, 10:6 irratti hojii irra oolera.

**NASB, NJB**

**“Ijii keenya baadisa Xiyoon irra haa ilaalu”**

**NKJV**

**“Iji keenya ishee irraa haa ilaalu”**

**NRSV**

**“Iji keenya utuu gargar hin kutiin ishee irra haa ilaalu”**

## TEV

### “In ilaala”

Gochamichi olitti kan ibsaman isa tokkoo wajjiin wal maadaii qaba. (BDB 302, 301, Qal JUSSIVE) kanas waummaa galatti “ilaaluu” jecha jedhuun argisiisa. The USB Translator’s Handbook akka jedhuu yaa ta’ee isaan gochamootni lamaan kun yaada waa’ee saala ta’ee argisiisu. Sababni isaa mucaa durbaa jechi jedhu lakk.8, 10 fi 13 fuula 129 fayyada) isaan waan ilaaluuf karaa kan biraan immoo keessumma biyyatti abdi hoji loltoota rakkasisuu argisiisu danda’u (fuula 129).

**4:12** Yaahiwwen namoota sagallee isaa beekan seenaa kan ilaalan Waaqayyo saba isaa irratti murtoo akka murteesse qofa dha. isaan kan adda addaa sabooti kakuu saba kan biraan Waaqayyo karaa beekamtii akka ta’eef irraanfataniiiru. Sanyiin Abirahaam kakiicha hin eegne. Waaqayyo eenyu akka ta’ee warra kan biraatti hin ibsine kanaaf Waaqayyo mataa isaa mul’isuu jaallate (Izr 36:22-38).

Boqonnaa kana keessatti (1) biyyoota amananii fi (2) biyyoota hin amanee rakkisso giddu kan jiruu dhiphinni qooqaa in mul’ata. Walaloon ibsuun yeroo tokko tokkoo ifaadha yeroo tokko tokkoo immoo ifaa miti. Yaada isaa akka hin barbaadneetti sirreessuf kan ulfaatuu (kan hin danda’amnee) dha. isaan lamaan gurguddoon dhugaawwaan waa’ee waan fuulduratti ta’uu kan argisiisaan fakkatti fi fakkeenya seer-luga barreefamaati.

- 1) Haaroomsi amantootaa dhugaa fi fedha Waaqayyooti.
- 2) Tokkoo tokkoo amanuu dhabuun Waaqayyoon miidhuuf saba Waaqayyo miidhu.
- 3) Gosni tokkoo Waaqayyoon biraa barabaraan in jirraata gosni kan biraan immoo in bada.

■ **“Walitti qabaniiruu”** kun immoo Waaqayyoo mataan isaa kan Israa’el dinootaa Yihudaa ta’I jedhaan iddoo tokkootti kan waliitti qaban fakkaata sababni isaa dinoota isaa iddoo tokkootti balleessuuf akka toluufiti (lakk.13, Isa 13-14, Hizzira 38-39, Iyo 4, Zaka 14).

**4:13** lakk.13-13 iddoo tokkootti ilaalamuun kan ta’uuf kutaa dha. Sababni isaa yaada Waaqayyo sirritti hubachuuf akka dandeesisuu Waaqayyo saba isaa kan ittin adabee kan amananan yeroo tokkoof isa dhumaatiif in ballefamu saba kakuu isaa in waama (lakk.12 Isa 41:15-16, Erm 51:20-23, Inbaqoom).

Lamanuu gochamooni jalqabaa (“ka’ii” BDB 877, KB 1086 fi “siribsiisi” BDB 190, KB 218) yookiin ajajoota/Qal IMPERFECTIVES (keeya ajajaa)

Garuu lakk.13 irratti Waaqayyoo mataan isaa kan haarsesse saboota kakuutti yeroo dubbatu in mul’ata. (sagallee kakuu haara Erm 31:31-34). Guyyaa tokkoo sabicha irratti mo’ichi in ta’a.Waaqayyo sanyii Abirahaamitti fayyadamuuf jaallateera. Karaa sanyii Abirahaamiin sabni lafaa irraa Waaqayyoon akka beekaniif barbaade ture isaan garuu kaayyoo kana raawwachuu hin dandeenye biyyii lafaas gara isaa dhufuu in dandeenye.

■ **“Gooftaa biyyaa lafaa hundumaa”** irra deebbi’uun hundumaa kan haammate ibsa yaadadha. Qabiyyee kanaan boqonnaan kun Waaqayyo irraa kan jalqabaa saba kakuu wajjin ta’uus garuu kara Yesusiin dhufuuf kan jedhu saba kakuu haaraatiin kan argisiisu!

## GAAFFILLEE MAREE

- 1) Kitaabni Isa fi Miikiyaas kana hundaa wal fakkaachuu kan danda’eef maaliif?
- 2) Ergaan raajii kakuu moofaa hunda kan haammateeqabiyyee qabachuun kan hin baratamneedha?
- 3) Lakk.5 qabbiyyee ala ta’uun isaa maaliif?

# MIIKIYAAS 5

## HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Masihii Dhufu 5:2 5:2-5 a Firdii diinota Israa'eel irratti	Ulfina Yerusaaaleem isa fuulduraa fi haaromuu mootummaa Daawiit (4:1-5:15)  5:1 5:2-5a  5:5a-6 5:7-9  5:10-15	Moo'uu Gooftaa isa kan adunyaa guutuu  5:2-5a Waaqayyo kan moo'uu Beeteliheem irraa akka dhufu abdii kennuu isaa  Adabbii fi bilisa Bau 5:5b-6 5:7-9  5:10-15	Dhiphachuu hidda mootummaa Daawiit fi ulfina (4:1-5:3)  Asooriin gara fuulduraatti moo'anii kan bitan  5:4-5 Ga'ee warra haambaalee isa fuulduraa 5:6 5:7 Yaahiween diinota hundumaa ni balleessa 5:8-14 5:15

### DUBBISA MARSAA sadaffaa (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

### QINDOMINA QABBIYYEE

- A. Miikiyas ragaa ergawwaan raajii baa'ee qabateera. Ibsaa shaarbee seensa D III irraa ilaala.
- B. Hiikonni tokko tokkoo boqonnaa 5:1 boqonnaa 4 wajjin walitti makuu (kunnis akka 4:14 kitaaba Hibirootaan (TEV). Kana yoo ta'ee immoo yaada boqonnaa 4 lakk.9-1- kan argamuu wajjin wal fakkaata. Waa'ee Yerusaaaleem midhaamuu fi bilisaa Bau in dubbata. Ta'us garuu hiikoonni tokko tokkoo kara adda ta'een boqonna 5 lakk.1-5a wajjin walitti qabu NASB, NJB, NIV). Kun immoo Yerusaaalemi fi



mooti amantii hin qabnee kan ta'ee akkasumas hamaa kan ta'an geggeesitoota fi ulfinaan waa'ee isa dhufuu mootii Bet-elimii fi geggeesitoota ishee warra aboomamoo gidduu garagarummaa uuma.

- C. Kitaabni kun waa'ee Masihii bakka dhaloota isaa ifatti in dubbata. Miikiyaas Dhaloota Kiriistoos duraa jaarraa 8<sup>ffaa</sup> kan barreefamee yoo ta'uu gabaabatti waa'ee Dhaloota Yesus Kiriistoos mandara dhaloota isaa raajee ture. Tokko tokkoo bara Miikiyaas itti barreefamee hin fudhatan bara 750 kan hin fudhanne yoo ta'ee garuu kitaabni Miikiyaas Girikiitti hiikamee ture (hiika kakuu moofaa bara 250-150) kun utuu hin dhalatiin waggaa dhibbaa dura ta'uus silaa gaarii ture.

Qabiyyeen raajii macaa qulqulluun kan jedhu

1. Macaafa Qulqulluudhaaf yaada ka'umsaa
2. Bara hundumaati danda'aa kan ta'ee Yaahiwwee
3. Yesus Masihii dhugaa ta'uu

- D. Kana irratti dabalataan boqonnaan kun Masihiiin dursee kan turee waan ta'eef raajuu irra darbee (lakk.2 sarara 4-5) Masihiiin yoo dhufuu bittaa akkami yookiin mootummaan jiraachuu akka danda'uu raajeera (lakk.4-5 sarara 1) kun kan nama aja'ibsiisuu kan ta'ee raajii ifaa dha. Akkamitti kan nama ajaa'ibsiisuu dhugaa kan ta'ee macaafa Qulqulluu dha Waaqayyo irraa kan fudhate!

## QAYYABBANNA JECHAA FI GAALEE

### **Miikiyaas: 5:1-5a**

<sup>1</sup>Nuyi amma marfamneerra, yaa warra mandara loltootaa, loltummaa keessaniin walitti qabamaa!

Warri nu marsan isa Israa'elin seerratu uleedhaan maddii isaa in rukutu\*.

<sup>2</sup>Ati immoo yaa mandara Betlehem-Efraataa, mandaroota Yihudaa warra gurguddoota keessaa ati ishee xinnoo dha;

Israa'elin kan mo'u tokko si keessaa anaaf in ba'a; hundeen isa si keessa Bauf jiruu kan bara durii durii bara baraa ti\*.

<sup>3</sup>Hamma bara isheen isa da'uuf jirtu sun deessutti, gooftichi waa'ee namoota sanaa in dhiisa, abboloota isa dhalatu sanaa keessaa warri hafan gara biyyaa, gara ijoollee Israa'elitti in deebi'u\*.

<sup>4</sup>Inni mo'u sun jabaatee in dhaabata, humna Waaqayyootiin, ulfina maqaa Waaqayyo gooftaa isaatiinis isaan in tiksa; guddinni isaa jala jiranis nagaatti in jiraatu\*.

<sup>5</sup>Isumatu immoo nagaa isaanii ti; yommuu warri Asor biyya keenyatti darban, mana keenya warra jajjaboottis lixan, nuyi geggeessituu torba, gurguddaa namaa saddeetis itti in kaafna\*.

5:1

NASB

walitti

NKJV

NRSV

TEV

NJB

“Nuyi amma marfamneerra, yaa warra mandara loltootaa, loltummaa keessaniin qabamaa”

“Nuyi amma marfamneerra, yaa warra mandara loltootaa, loltummaa keessaniin walitti qabamaa”

“Amma naannoon kee masaraadhaan in ijaaru”

“Yaa saba Israa'el loltoota kee walitti qabi”

“Amma daannoo tolchadhuu humna kee jabeefadhu”

Luqisiin kun macaafa qulqulluu Hibirootaa boqonnaa 4 lakk.14 wajjin ta'un boqonnaa keessatti galfamee argama. Luqisii kana irratti fillannoon hiikootni baay'een adda adda jiruu isaan kana giddudhaa

1. NSB, NKJV, fi TEV hiika Masooritikii in qabatu (BDB 111 Erm 5:7 gochamihii asi bifa wal fakkaaan in hiika.
2. Kan Tinquu Girikii hiikii dhabataan “amma naannoo kee masaraahaan ijaaru” (NRSV, REB) Hibirootaan kan barreefamee “walitti qabamaa” kan jedhuu gochami jecha ifaa “keenyaan hojjechuuf”

kan jedhuu walfakkaata jechaa Hibirootaati in jijjiira. Karaa marfamee irratti hunma jabbeefadhuu Hizzira 13:6macaafa qulqulluu Hibiroota isaa haaraa (BDB 151, KB 177, Hithpoel IMPERFECT).

3. Kan biraan ta'uu kan danda'uu hiiiki immoo mataakee qateetta ati mucaa qaltuu (BDB 151) ta'us garuu kun bifa adda ta'een dubbachuu barbaachisa JPSOA, hiikaa Moofeeti fi NET) kun hiikii dhumaa kun of qaluu
  - a. Waaqa tolfamaa waaqessuu (Lew 19:28, 14:1, 1Mot 18:28, Erm 47:5, Hose'aa 7:14) yookaan
  - b. Gadda (Kes 14:1, Erm 16:6, 41:5, 47:5, 48:37).

Lakk.1 Yerusaalementi wanti ta'ee yoo ibsuu marfamuu Yerusaalementi lakk.2-5 kan jiruu immoo bara dhumaa kan ta'uu kan jiru kan dubbatu dha. (Kan Yerusaalementi mana mooti isa guddaa ta'uun kun kan yeroo ce'umsaa yaada immoo lakk.5-9 akkasumas 10-14 yaada jiruu wajjin kan walfaalessu ta'ee argama. Macaafa Hibiroota irratti boqonnaa 4 lakk.9-13 kan jiruu waa'ee Yerusaalementi dubbata. Kanaaf 5:1 (MT 4:14) waa'ee marfamuu Yerusaalementi kan odeessuu keeyata tokko jechuun in danda'ama. Ta'us garuu 5:1-5:2-5a yaada jiruu wajjin kan wal qabatee dadhabaa fi abdiin kan hin qabnee kan taate Yerusaalementi fi Waaqayyoo irraa kan ta'ee Bet-lem ishee haaraa (magaalaa Daawiiti itti guddate) waa'ee geggeessa isa dhalatuu dubbachuudhaan yaadichii mataa mataa isaaniin akka walitti bu'an godha. Amantiin geggeesitoota Yihuuda badee fi cubbuu isaaniin abdiin kan hin qabne ta'ee ture (Waaqayyoon kan sodaatan moototaa muraasaa ala fakkeenyaaf Hizqiyaas, Iyusiyaas) Waaqayyoo sanyii Daawiiti kan ta'ee kan biraa mootii amanamaa in kaasaa innis Yaahiwwee eenyummaa isaa guutuun duukaa in bu'a (Uma 49:9-10, 2Sam 7)!

■ **“Nuu miidhuudhaaf nu marsaan”** (BDB 962, KB 1321) Qal PERFECT dha. gocha kana jecha ibsu keessatti duraa booda yeroo utuu itti hin dabalamiin hiikaa qabiyyee keessatti garuu dabbalamuu isaa yaadachu in dandeenya. Yaadi kun ifaatti waa'ee marfamuu yoo ibsees waa'ee marfamuu isa kamii akka dubbatu garuu beekuu hin dandeenyu.

Kana jalatti yaada baay'eetu jira

1. Kan seena duraa duubaa isaa yoo ilaalu bara 701 Yihudaan Seenakireemiin marfamuu ishe Yerusaalementi marsuuf garuu akka in milkoofneef ibsuun 2Mot 19:35-36).
2. Bara 586 Yerusaalementi Naabukadinaatsooriin yeroo lamaffaaf marfaamuuf lolamuu ibsuun (2<sup>ffaa</sup> Mootota 24-25).
3. Beektoonni baay'een akka itti amananitti kun tarii bara 70 Yerusaalementi fi mana qulqullummaa irratti mootii irratti dhiise yoo ta'ee waa'ee lolaa fi baadisa raaji kan dubbatuu ta'uu danda'a jedhu (Mat 24, Mar 13, Luq 21)

Kan oli lakk.1 yeroo barreesichaa sirritti yoo ibsuu lakk.3 immoo kan Masihii isa sirrii yeroo wajjin walitti maxxansa.

■ **“Ulleedhaan”** jechii ullee jedhu kun (BDB 986) gababaa kan ta'eecabaa caafii mukaa badiin kan hojii kan ittiin adabamuu yookiin kan ittiin rukutamu dha.

1. Ijooledhaaf 10:13; 13:24; 22:8,15; 23:13,14; 26:3; 29:15
2. Firdii Waaqayyoon mootota adabuuf (Far 2:9(110:5-6 ilaali) Isa 9:4, Mul'ata 2:27, 19:15)
3. Saba mataa isaati irratti yoo faradu Isa 10:5, 24, 14:29

Isa boqonnaa 10 lakk.5 f 24 irratti Asor kan Waaqayyoo ullee dheekamsa jedhamee waamame ture. Ta'us garuu Waaqayyoo waa'ee Asor cubbuu isheef ishee adaba (Isa 30:31) “ulee” jchuun jecha warra Hibirootaan ciggoo geggeessa mooti tokko jechuudha (BDB 986, cf. 7:14, Mul'ata 2:27, 12:5, 19:15).

■ **“Warri nu marsan isa Israa'elin seerratu uleedhaan maddii isaa in rukutu”** seerratu kan jedhuu kan Israa'el maqaa mootiin ittin waamamudha. Nama tokkoo immoo maddi irra rukutuun arbsoo olaanaa fi tufii dha (1Mot 22:24).

Kun ija jabina asori fi dadhabina Israa'el argisiisa. Baadisa Yaahiwwen diina saba kakuu irratti godheera, ammas isaan irratti akka ta'uu godheera.

Kan Rotherham's *Emphasized Bible* murtoon kun Masihii irratti kan ta'ee murtoo dha jedhani fudhataniiiru (fuula 887).

**5:2-5a** keeyatiin kun guutummaan isaa suuta suutaan (marfamu irraa gara bilisa Bautti) fi Yerusaalemi fi Yihudaa irratti waa'ee murtoo Waaqayyo ta'ee dubbatte waa'ee haaromsa aja'ibsiisa Waaqayyo irratti xiyyeefata. (Miikiyaas 4:6-8 fi 12-13) walin dha'amuun kun barreefama raajii irratti argamuun isaa kan baratamee yoo ta'uu tarii (1) kan durii warra barreeffama qoopheessan akkataa adeemsa (2) raajoota warra Hibirootaa akkaata yaada isaani ta'uu danda'a (kan mormuu yaada wal fakkaata).

**5:2 “Beet’elem Efraata”** (qomoo sanyii Yihudaa 1Sam 17:12 Raauti 1:2, 4:11 adda kan ta'e 1<sup>ffaa</sup> Seena bara 2:19, 24:50) Efraata kan jedhu jechi sababni inni itti dabalameef Baabiloon gosoota warra kaabaa naannoo mana jireenyaa mana daabboo kan biraa (Bet-elem) mandarii jedhamtuu waan jirtuuf (Isa 19:15) Betelem-Efraata jedhamtee kan beekamtuu baay'ee mandara xiqqoo turtee (Uumama 38:19, 48:7). Kun immoo kan ibsamee kan mootii Daawiit bakka dhalootaa ta'uun ibsuuf qofadha. Dabbalatan (1Sam 16:1, 2<sup>ffaa</sup> Saamu'el 7, Far 89 sanyii Daawiit irraa waa'ee isa dhufuu mootii fi Masihii ibsuudhaaf) luqisiin kun Mat 2:6 tuqamee Luq 2:4 fi Yohannis 7:42 ergifateera.

■ **“Xiqqaa”** jechi kun waa'ee xinummaa jabina in kenna (BDB 859 I)

1. Qomoota (1Sam 9:21)
2. Gosoota (Far 68:27)
3. Gaanfoota (Dan 8:9)
4. Magaaloota (Miikiyaas 5:2)

(NIDOTTE jildii 3 fuula 830 irraa kan fudhatame)

■ **“Qomoota”** jechi jedhu Hibiruutti “kumoota” kan jedhu dha (BDB 48 II). Kuma kan jedhu immo Hibirootaan kumaatama jechu yoo ta'u immoo akka itti aanutti itti fayyadamu:-

1. Miseensa maatii yookaan kan qomoo Seera lakk.10:4 Iyyaassuu 22-14 Abboota firdii 6-15, 1ffaa Saamu'el 10-19, 23-23 Miikiyaas 5:2, Zaka 9:7
2. Miseensa humna waraanaa Bau 18:21 (25) Kes 1:15
3. Kumaatama (kuma) waamami dhaabbataan Uumama 20:16, Bau 32:28
4. Mallattoo Uumama 24-60 Seera lakk.20:6 (Keessa deebi 7:9), 34:7, Erm 32:18

Beetelem baay'ee xiqqoo ta'u ishee irraan kan ka'ee Iyyaassuu 15 loltoota Yihudaafi gargaara humna godhamtee in ibsamne ture. Naayima irratti dallaan Yerusaalem irra deebi'amee yoo hojjotamuu beetelem akka hojjeettu gargaaraatti in tuqamne ture.

■ **“Kan Yihudaa”** sababa raajii Museetiin sanyii ijoollee Yaaqoob kan ta'ee Yihudaan (BDB 337) Uumama 49:8-12 adda kan ta'ee lakk 10 irratti ibsamuun yaadi kun fudhatamaa raajii argatee ta'uun Masihiiin hidda sanyii Yihudaa fira Essey irraa akka dhalatuu kan ibsuu dha (2ffaa Saamu'el 7).

■ **“Anaaf”** jechi jedhuu Hibiruun kan durii barreefama (MT) jabina kenneraaf. Mashiin ajaja Yaahiwweetiinakka dhufeedubbata. Yaahiwwee irraa kan ta'ee nama guutuu mucaa namaa fi geggeessaa dhugaa sirritti fi guutummaa guutuutti Waaqa Israa'el kan argisiisuu qophaa isaa Masihii dha. Baratoonni kakuu moofaa (Barsiisaa) Waaqayyo nama ta'ee yookiin foon uffatee (akka nama foon uffachu/incarnation) in dhufaa jedhani in eegan turan. Taayitaa fi humnaan in dhufaa jedhani turan kan eegaan (akka bara Mootiiti) Waaqayyoo mataan isaa mooti dhugaa ture (Saamu'el 8:7).

■

<b>NASB</b>	<b>“dhufaatiin isaa kan bara durii kan bara bara guyyoota kan ta'e”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“Dhufaatiin isaa isa durii bara bara baraa kan ture”</b>
<b>NRSV</b>	<b>“Ka'umsi isaa kan durii guyyoota durii kan ta'e”</b>
<b>TEV</b>	<b>“Hiddi sanyii isaa gara boodee bara durii kan ta'e”</b>
<b>NJB</b>	<b>“Ka'umsi isaa gara boodee fagoo kan durii guyyoota kan ta'e”</b>

Isaan sararii lamaan kun walii wajjin deemu. Dhuufatiin isaa gochamichi jedhu (BDB 422, KB 425, Qal IMPERATIVES (keeyata ajajaa) kan gochama baratame dha. Gochami kun Miikiyaas keessatti yeroo 8 tuqameera (fakkeenyaaf [1] waa'ee dhufaati gooftaa boqonnaa 1:3 irratti [2] seerri Waaqayyo in dhufa boqonnaa 4:2 [3] dhiifama argachuuf Israa'el ammas deebite in haarefamti (7:15 bilisa Bau haara) kun immoo waa'ee dhuufaati Masihii yookiin hojii isaa in ibsa (Genenius, NRSV, NJB) (lakk 4 fi 5a)

Isaan sararoonni lamaan kana irratti dabalataan (1) Masihiiin kanaan dura dursee kan turee ta'uu isaa Fakkeenya 8:22-31, Yohannis 1:1, 14-15, 8:56-59, 16:28, 17:5, 1<sup>ffaa</sup> Qoronxoos 8:9, Filiphisiyuus 2:6-7,

Qolqsiyqqs 1:17, Ibiroota 1:3, 10:5) yookiin (2)kana dura kan turaan beekamoo ijoollee namaa ibsuudhaaf (fakkeenyaaf Abirahaam, Nohii yookiin tarii Daawiit) luqisiin kun wali galatti mooticha Daawiit hidda sanyii mandara iddoo dhaloota Daawiit ta'uu in yaadachiisa. Daawiiti kan kennameef mootii aboomamaa ta'uu isaa in ibsa.

Jireenya barabara jechii jedhuu (BDB 761) Oolaam/olam dha. Hose'aa 2:19 mata dure adda bara baraan (Olam) kan jedhuu ilaalii. (NIDOTTE lakk.3 fuula 347 oolam yaadi jedhuu yoo ibsuu yaada kanatti aane jiruu itti kenneera:-

“As irraa akka ilaalutti kan Masihii kan bara baraa fi ajaa'ibsiisaa kan turee ta'uu isaa ibsuudhaaf qorumsa dha. Macaafa qulqulluun yookaan macaafa qulqulluu booda akka tooftaa barreeffama Hibirootaa keessatti waan nama ajaa'ibsiisuu akkasi hin arginu. Heenookii wajjiin wal fakkaachun hafee (jaarra 1<sup>ffaa</sup> duraa hangaa jaarra 1<sup>ffaa</sup> boodaa IHeenook 48:2-6 irraa kan jiruu ilaali

Akka yaada kooti akkam yoo ta'ellee kakuu moofaati waa'ee foon uffachu yaadi ibsuu yoo jiraates bara Yesus tureetti kan turan geggeessitoota Yihudaa garuu Waaqayyoo wajjin waa'ee tokkummaa jiruu dubbachuu isaan dinqisiise ture. Mar 2:5-7, Yohannis 1-14, 8:58 dabalataan Phawuloos 2Qorontoos 4:4 Qolasiyaas 1:15, Filiphisiwoos 2:6 Tiitoo 2:13) kan hin guutamiin tarreeffama barreeffama kakuu moofa waa'ee Yesus Kiriistoos hundumaa akka danda'uu in tarreessa.

1. Far 2:7, Ibiroota 1:5 irratti ibsameera (adda 1:2-3 ilaalii)
2. Far 45:6-7, Ibiroota 1:8-9 irratti ibsameera
3. Far 110:1, Ibiroota 1:13 irratti ibsameera
4. Isa 9:6, Jer.23:5-6, Miikiyaas 5:2 jalqabee amma Luq 1:32 tarreeffameera
5. Dan 7:13, Mat 26:64, Mar 14:62 irratti ibsameera
6. Zaka 13:7, Mat 26:31, Mar 14:27 irratti ibsameera
7. Miikiyaas 3:1 Mar 1:1-3, Luq 2:26-27 irratti ibsameera

Mataduree addaa: Sadan waaqa tokkichaa kanatti fufee jiru ilaali

### **Mata Dure addaa: Sadan Waaqa tokkicha (Trinity)**

Qaamota Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) hojii isaani sadan lakk. 4-6 hubadhu. “Sillaase” jechi jedhu jalqaba irratti kan inni fudhatame namicha Turtuuliyaa jedhamuudhaan jecha maacafa qulqulluu miti haa ta'uu iyyuu malee yaadni isaa babal'ateera.

- A. Wangeeloota
  1. Mateewoos 3:16-17,28:19
  2. Yohannis 14:26,
- B. Hojii Ergamoota 2:32-33, 38:39
  1. Phawuloos
  2. Rom1:4-5, 5:1-5,8:1-4,8:10
  3. 1 Qor 2:8-10, 12:4-6
  4. 2Qor 1:21,13:14
  5. Gal 4:4-6
  6. Efesoon 1:3-14,17, 2:18,3:14-17,4:4-6
  7. 1Tas 1:2-5
  8. 2Tas 2:13
  9. Tiitoo 3:4-6
- C. Pheexiroos 1 Phexiroos 1:2
- D. Yihuudaa lakk.20:21

Innis Kakuu Moofaa keessatti caqafameera.

- A. Waaqayyoo lakkoofsa baayyee fayyadamuu
  1. Maqaan Elohiim jedhamu lakkoofsa baayyeedha, garuu Waaqayyoof bu'a irra yemmuu ooluu jecha qeenxeedhaanidha.
  2. “Nutii” Seera Uumamaa 1:26-27, 3:22,11:7
  3. “Tokko” Kes 6:4 kan baayyeedha. (akka Seera Uumamaa 2:24, Hizira 37:17)
- B. Ergamaan Waaqayyoo kan inni mul'atu bakka bu'insa Waaqummaa Waaqayyoon

1. Seera Uumamaa 16:7-13,22:11-15,31:11-13,48:15-16
  2. Seera ba'u 3:2-4,13:21,14:19
  3. Abboota firdii 2:1,6:22-23,13:3-22
  4. Zakariyaas 3:1-2
- C. Waaqayyoo afuuri adda addaa Uumamaa 1:1-2 Far 104:30, Isaayas 63:9-11, Iziraa 37:13-14
- D. Waaqayyo (Yaahiwwee) fi kan dibame (Adoonayi) adda addaa, Faarfanna 45:6-7, 10:1, Zakariyaa 2:8-11, 10:9-12
- E. Kan dibamee fi afuuri garaagara Zakariyaas 12:10
- F. Sadan isaa caqafameera Isayaas 48:16,61:1
- Ergaan humna Waaqummaa fi qaama afuura qulqulluu warra duraaf jabaa tokkummaa (Waaqa tookko) amantootati rakkoo uumeera.
1. Teertuutoota – ilma gara abbaatti siqsiisa
  2. Oriigini – Ilmaa fi afuura Waaqummaa gara yaadati buta.
  3. Oriyoos – Humnaa fi afuura Waaqummaa ganeera.
  4. Moonarkummaa – Bakka bu'ummaa Waaqayyooti ni amanu
- Karaa seenatiin Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity)n baballa'achaa kan dhufe dha, qabiinsa Macaafa qulqulluu irraa.
1. Humna guutuuma Waaqummaa Yesuus, walqixxummaa abbaa walitti qabama Niiqiyaa bara 325 jbateera.
  2. Guutummaa qaama afuura abbaa fi ilma walqixa ta'uu isaa walitti qabama warra Qusxanxiyaa (bara381) jabaatera.
  3. Mallattoon guutummaa Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) barreefama Agusxiinoos waa'ee Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) irratti ibsameera.
- As irratti dhoksaan dubbii sirritti jira. Garuu Akiin kan inni fakkaatu yaada Waaqummaa tokko qaama barabaraa ta'e sadiin argamuu isaa kan jajjabeesu fakkaata.

**5:3 “Amma yerootti inni dabrsee isaan in kenna”** qabiyyicha irratti bakki maqaa ibsuu kan inni danda'uu (1) Yaahiwwee yookaan (2) Kan isaa Masihii ta'uu danda'a. lakk.3 sarara 1 irratti Yaahiwwee yoo tuquu lakk.3 sarara 3 irratti garuu waa'ee Masihii dubbata kun kayyoodhaaf kan barreefamee yaada wal falmisiisaadha.

Gochami kun (BDB 678, KB 733, Qal IMPERFECT) baay'ee kan baratamee gosa gochama kan biraati. Kana jechun “kenni” “kaa'ii”, “taa'ii” hiika jedhu qaba. Kun immoo da'uu yaada jedhuu yeroo baay'ee qabichi jechaa firdii ibsa (Seera lakk.21:3, Abboota firdii 20:13, 1Sam 11:12, 2<sup>ffaa</sup> Saamu'eel 14:7, 1Mota 14:16, Hose'aa 11:8).

■ **“Isheen deessu kan taatee mucaa deessetti”** Macaafni qulqulluu baay'ee keessatti kan ibsaman hiddi sanhii jiraachu danda'u:-

1. Gara Yaahiwwetti kan jalqabaa haraari kakuu nu deebisa, kun immoo dubbartiidhaan kan ta'ee dhiiri bilisa baasa Uumama 3:15
2. Kun yeroo Miikiyaas wajjin wa arga, Isaiin waggoota baay'ee dura kanaaf dhalooti adda ibsameera. (Isa 7:14, 9:6, 11:11-6)
3. Gara 4:9-10 deebisee waa'ee Yerusaa'el dubbii fakkaanyaa (metaphor) wal fakkaata in fayyada.
4. Kun haawasa Mahichaa wajjin wal qabatee jira (hafteewwaan amanamoo) akka Mul'ata 12 dhaloota Masihii wajjin kan lakk.3 yaada wali gala akka argisiisuu Waaqayyo amantii malee kan ta'aan saboota kakuu murtoo muraasa ta'ee (adaba) dabarsee kennudhaaf irra deebi'ee haala aja'ibsiisaan yoo isaan haareessu mul'isa.

“kan hafan obbolloonni isaa gara ijoollee Israa'elitti in deebi'u” kun tarii waa'ee isa tokko yookiin garee lamaa dubbachu in danda'a (1) Haftee amanamaa (2) kan Ijoollee Israa'el (Isa 10:20-27) akka dhufaati seena isaatti kun garbummaa irraa gara bilisa Bautti waa'ee deemuu isaanii Yihudootaa fi lafa abdiin irratti waa'ee warra hafani Yihudoota dubbata, ta'us garuu akka qayyabbannaa bara dhumaatti eschatologically kan ta'ee Israa'eloota hundumaa qabata. (Rom 9-11 adda kan ta'ee 9:6) Expositor's Bible Commentary lakk.7 fuula 428 akka jedhutti yoo ta'ee kun kan inni dubbuttu itti fufaani bittu waa'ee warra ta'an obboollota (lakk.2) akkuma beekamuu ergaan raajii walaloo gababaa mormisiisaa fi hiikudhaaf rakisoodha. Kanatti fufee kan ibsaman yoo hin

fayyadamne hiikuudhaaf baay'ee hin danda'amu (1) kan seenichaa yeroo sirri fi bakka (2)hiika qabiyyee barreefamichaa fi (3) kakuu moofaatti yookiin kakuu haaratti kan argaman dubbifamoota wal fakkaatoo ilaaluun barbaachisaadha D. Brent Sandy, *Plowshares and Pruning Hooks: Rethinking the Language of Biblical Prophecy and Apocalyptic* (kun kitaaba raajii hiikuuf ibsuuf kan fayyadu dha.

■ **“Deebi’ii”** Saab (*shub*) jechi jedhu irratti taphi jecha in jiraata (BDB 996, KB 1427, Qal IMPERFECT) kan inni argisiisu:-

1. Hiikaa kallattidhaan qaaman waa'ee deebi'uu (boojuudhaa)
2. Haafuran gaabani deebi'uu (waaqeffannaa waaqa tolfamaa fi hameenya irraa)

Kun immoo 2:12-13 fi 4:6-8 kan jiru ibsameera

**5:4** kun waa'ee bara mootummaa Masihii fi amalaa kan ibsu dha (Isa 9:6-7, 11:1-5, 6-9, 11-16):

1. Inni in ka'aa (in jabaata yookiin in hafa fakkeenya Far 102:26, 111:3, 10, 112:3, 9, Lalaba 1:4, Isa 14:26, 66:22, Haagee 2:5)
2. Inni sabaaf tiksee in ta'aa (Daawiit tiksee hoola ture Yaahiwween jechama kanaan Far 23 ibseera)
3. Inni humna gooftaatiin in dhufa
4. Inni simboo isaan maqaa gooftaatiin Waaqayyoon in dhufa
5. Inni hundumaa kan caale in ta'a
6. Inni hangaa daarii lafaatti in mo'a (fakkeenya BDB 75 Faarfanna 2:8, 22:27-28, 59:13, 72:8)
7. Lakk.5 sarara 1 irratti (lakk.4 wajjin kan deemu) inni nagaadhaan in mo'a (lakk. 4 sarara 4)

**5:4** kan insuu bara yeroo 4:1-4 kan jiru wajjin wal fakkaata dha.

**5:5a “kun nagaa keenya in ta'aa”** nagaa jechi jedhuu Hibirootaan Shaalom shalom (BDB 1022) jechu dha. kun waa'ee fedhii gaarii in oddeessa. Yihidootni nagaadhaa fi geggeessuf itti fayyadamu. Akka qayyabbannaa bara dhumaatti argisiisuu yoo ta'ee garuu (3:5 fi 5:5, sarara 2, lakk.6). Waa'ee raajoota sobduu ergaa nagaa kan dubbatan yaada mata isaani wajjin wal faallesa.

Lakk. kun kan inni dubbattu nagaa fudhatee waa'ee isa dhufuu kan bittuu ti (lakk.4 innis nagaa jedhee waamera (Isa 9:6, Effesoon 2:14).

## **Miikiyaas 5:5b-9**

**<sup>5</sup>Isumatu immoo nagaa isaanii ti; yommuu warri Asor biyya keenyatti darban, mana keenya warra jajjaboottis lixan, nuyi geggeessituu torba, gurguddaa namaa saddeetis itti in kaafna\*.**

**<sup>6</sup>Isaan warra biyya Asor billaadhaan, warra biyya Naamrodin billaa luqqifamaadhaan in tiksu; inni sun immoo harka warra Asorii dhufanii biyya keenyatti darbanii lafa keenya irra ejjetanii, nu oolcha.**

**<sup>7</sup>Ijoollee Yaaqoob keessaa warri hafan saba baay'ee gidduutti akka fixeensa Waaqayyoo biraa dhufuu, akka tiifuu biqiltuu irratti roobsuus in ta'u; nama hin abdatan, ijoollee namaas hin eeggatan\*.**

**<sup>8</sup>Ijoollee Yaaqoob keessaa warri hafan namoota lafa irraa keessatti saba baay'ee gidduutti, akka leenca bineensa caakkaa gidduu jiruu ti; isaan akka leenca saafela isa karra hoolotaa gidduu lixee qabee tatarsaasuu, isa namni afaan isaa keessaa oolchu hin jirrees in ta'u.**

**<sup>9</sup>Harki keessan warra isin cunqursan irratti ol haa ka'u; diininni keessan hundinuu lafa irraa haa balleffaman!**

**5:5** sarara 2<sup>fi</sup>a lakk.9 ga'ee kan jiruu kan inni dubbattu warri Asor Israa'el adabuuf mi'aa mo'amee ta'uu isaanitiini dha. (Isa 10:5). Sabni kakuu Waaqayyoo Yaahiwwee beekuu dhiisani Ba'ooliin amma waaqessutti ga'ani turan (Hose'aa 11:1-4), yeroo kanatti Waaqayyoo irra deebi'ee hojjechuuf kakuu isaa diiguutu irra ture. Murtoon Asor garuu yeroo murtaa'ee qofaaf ture (lakk. 3)

Boqonnaa kana waqtii fi yeroo sirri isaa dubbachuun hin danda'amu. Warri Asor kan ittiin jedhan tarri hundumtuu diina Yaahiwwee saboota ta'an karaa ittin ibsuu ta'uu danda'a (Zaka 10-11) akka mogaafama waamama Baabiloonitti (kitaaba mul'ata keessatti akka ibsame).

**5:5 “Kanaaf isa irratti nuyi geggeessituu torba, gurguddaa namaa saddeetis itti in kaafna”** duraa duuba lakkoofsaa Ugiraatikii fiseer-luga toofta barrefama kakuu moofa kan baratameedha (Far 6:6, 30:15, 18:21, Amos 1:3, 6:9, 11:13, 2:4, 6 fi fakkeenya biraa immoo Lalaba 11:25 irratti argana) yaadi kun cimina kan inni kennuu fedha Yaahiwwee kan raawwatan lakk. gahaa kan qabani fi guyyaa isaan barbaadutti achitti kan argaman Waaqayyoon kan soodatan geggeesitoota irratti dha. warri Asor garuu guyyaa dhummaa Yaahiwweedhaan firdii isaani in fudhatu (Isa 10:24-27). Yaada kana keessatti gaafii kan uumu gaaleen tokkoo jira “in kaafna” (BDB 877, KB 1086, Hiphil PERFECT). Kun tarii fafaca’aani kanjiraatan warra Israa’el Waaqayyo karaa ittin fayyadame bilisa baasuu ka’umsa isaa ta’uu isaani yookaan hojii Waaqayyo kan ibsuu (lakk.3 sarara 1<sup>f<sup>aa</sup></sup>) yookiin waa’ee isaa Masihii (lakk.3 sarara 3<sup>f<sup>aa</sup></sup> lakk.4-5 sarara 1<sup>f<sup>aa</sup></sup>) kan dubbattu ta’aa? Lakk.5 sarara 4<sup>f<sup>aa</sup></sup> irratti “in kaafna” kan jedhuu fi lakk.6 sarara 1<sup>f<sup>aa</sup></sup> irratti “tuuta hoolota in eega” kan jedhuu lakk.6 sarara 3<sup>f<sup>aa</sup></sup> irratti “inni nuuf dhaabata” (BDB 664, KB 717, Hiphil PERFECT). kan jedhuu wajjiin yoo wal maadaluu yaada walfakkaata akkasi in argana.

Kan kanaa barrefama wal mormisiisaa fi looltooti Yihudaa warra Asor mo’ichaa godhachuu isaani kan ibsuu seenaan hundee jiraachuu dhabuun baay’ee isaani (akkasumas sirriitti) b:-

1. Asor kan jedhuu bakka kan bu’uu humna biyya lafaa kammin iyyuu diina saba Waaqayyo kan ta’ee jechuu yoo ta’uu
2. Mo’iicha kan godhuu “isaan” utuu hin ta’in “isaa” (lakk 2-5a bittaa jiru) raawwata bara dhuma kan morman hundumaa in jilbeenfachiisa (kara wal fakkaataan Faarfanna 2, IZR 38-39 yookiin Daani’eel 11 36-45)

**5:6 “Naamuruud”** maqaan kun (BDB 650) hundeeffamaa Baabeel yookaan Baabilooni fi Naannawwee (uumama 10:8-12 irratti Asor) Naamuruud fayisaa oolaana jedhamee innis kan jalqabaa bittaa abba hirree hundee Mesopotaamiyaa (bishaaniin kan marfamtee biyya Xiroogis fi Efraaxiis) kanaaf isaan lamaan waamamni Asori fi Naamuruud 91) moogafama wal fakkaata (2) Naabaa Paalaasaar fi Naabukadinatsoor jalaa kan jiraan ishee haara Baabiloon in dubbata.

■ **“Asor lafa keenya yoo miidhuu innis nun mormaa”** seenaadhaan garuu ta’iin uumamee kan hin ture. Kanaaf kun

1. Waa’ee isa fuulduraa Qiirros in dubbata (bara 539 waa’ee kufaati Babiloon Isa 44-45)
2. Waa’ee isa fuulduraa dhuma uumamaa kan dubbattu (bara Masihii)
3. Waa’ee raajoota sobduu ergaa dogogoraa kan dubbattu (tarrii)

**5:7-9** baay’een isaa kitaaba Miikiyaas (raajoota kan biros) Waaqayyoo kan isaa badisaa irraa saboota hafan (mata dure addaa 2:12) gara Yersaalemitti isaan deebisa. Ibsuudhaaf mata duree addaa isaa 4:7 kakuu moofaa ergawwaan raajii gara fuulduraa wajjin ilaalu. Ta’uus garuu qabiyyicha irraa Waaqayyo warra hafan amantoota amanamoo biyya lafaa hundumaa irratti eebbaa haa ta’an jedhee isaan facaasa. (Gooftaa biraa kan ta’e fixeensa) lakk.7 akkasumas mo’aa seeraa fi nama Waaqayyo lakk.8 kun sirrii kan ta’ee Yaahiwwee biyyaa Bau saba isaa facaasudhaaf itti fayyadama (kayyoon uumamaa horaa baay’aadha yoo jedhuu nama hufee garuu in mormee Uumama 10:11). Kan isaa saboota facaafaman sabaa fi ormaa gidduu hunduu ragaa isaa ta’uudhaan Uumama 12:2-3, 22:18, 26:4, Hojii ergamoota 2:25, Gal 3-8!

Kun kanaan akka jiruutti gaaleewwaan lamaanuu ilaaluudhaaf in danda’ama jedhen amana. (Lakk 7-8) firdii wajjiin wal qabsiisuun (lakk. 9 2<sup>f<sup>aa</sup></sup> Saamu’el 17-12) luqisiin kun waa’ee eenyuu akka dubbattu wal falmii baayeen jiru. Tokkoo tokko tatamsaa’uu Israa’eel irraan kan ka’ee in ilaalatu, tokko tokkoo immoo bara dhumaatti sabooti Waaqayyo (Rom 9-11, 2:28-29, Gal 3) walummaa galatti qabiyyeen kun (5b-9 irra kan jiru) kan ibsuu waa’ee raajoota sobduu abdi sobaa fi raajoota dha (3:5 ilaalii). Miikiyaas suuta suutaan firdii irraa gara haraaratti ergaa isaa in jijjiira. Kun kan ta’e immoo 5:1-5a ergaa raajii dhugaati dha. Ta’us garuu 5:5b-9 kan jiruu immoo raajoonni sobduun abdi sobaa in dubbata.

#### **MATA DUREE ADDA: YAADA DURSAA ABBAA WAANGEELUMMAA BOOB**

Dubbistoota koof ibsuufi kanaan feedhu qabxii kana irraati yaada adda ta’e akkan qabu dha. Xiyyefannoon koo seera teewoloojiiti kaaluaniizimii miti ykn eyyama seera, garuu ergamn isaa gudda waan geelati (jechuunis, Mat 28:18-20, Luk. 24:46-47, Hoe. 1:8). Waaqayyo dhala/sanyii nama hundaaf kan ta’u karoora bara baraa akka qabuuf nan amana (Fkn, Uma. 3:15, 12:3, Bau19:5-6, Erm. 31:31-34, His. 18, 36:22-39 Hoe. 2:33, 3:18, 4:28,

13:39, looma. 3:9-18, 19:20, 21-31). Kakuu hundinuu kiriistoosin tokko ta'aniiru (Gal. 3:26-29, Qol. 3:11). Yesuus dhoksaa Waaqayyoti, kan dhokaate ture amma garuu ifatti kan ba'e (Ef. 2:11-3:13)

Duursaa beekamtuman kana hiikaa sagalee isaa hunda jala mureera jechuunis, (Yonass), bareefama hunda kanan dubbisu karaa isaati kan dhuguuman wal-caalsiisudha (Hiiktonni hundu keessa jiru), garuu inni jecha isaa irra kan ta'e yaali odeeffanno durati.

**5:7 “Fixeensa”** fixeensa jechi jedhuu kakuu hiika baay'ee qaba

1. Ebba Waaqayyo Uma 27:28, Lak 11:9, Dan 33:13-28, Fak 19:12, Hose'aa 14:5, Zakk 8:12
2. Fixeensi kan biraa abarsaa waaqarraa ture 2<sup>ffaa</sup> Saamu'el 1:21, 1Mota 17:1, Haagee 1:10
3. Ifa aduutiin salphaatti kan hurkuu waan ta'eef jechii dhokatan isaa (hiikaa icitii) argamee waan baduu dubbata Bau 16:13, Isa 18:4, Hose'aa 6:4, 4:13, 3 (hurkaa dumeessaa fi haara wajjin wal fakkaata)
4. Jechi dhokataan (hiika icitii) jireenya yookaan dargagummaa Isa 26:19
5. Jechi dhokatan (hiika icitii) facaasu kan jedhuus in ta'a 2ffaa Saamu'el 17:12

(*Dictionary of Biblical Imagery*, fuula 206-207 irra ilaali)



NASB	“Eegii”
NKJV,	“Obsii”
NRSV	“Hirkadhu”
TEV	---
NJB	“Boqodhu”

Gochami kun (BDB 875,I, KB 1082, Piel IMPERFECT) akka hundee teessumma piel hiikooti 3 jiru.

1. Wanta tokkoo dhimmani barbaadu Iyo 3:9; 6:19; Isa. 5:2,4,7; 59:9,11; Erm. 8:15; 13:16; 14:19,22; Hos 12:6
2. Riphii eegii Far 56:6, Far 119:95
3. Eegii (turii) Miikiyaas 5:7

Ijoolleen namaa obsaan fixeensa in eegatu sababni isaa fixeensa fiduudhaaf isaan homaa gochuu kan hin dandeenyee waan ta'eefi dha. “Gooftaa irraa” ti dhufuu kan qabu.



NASB	“Eegii”
NKJV, NRSV	“Obsii”
TEV	---
NJB	----

Gochami kun (BDB 403, KB 407, Piel IMPERFECT) akka teessumma pee'ilitti hiikoti 2 jiru.

1. Eegii Miikiyaas 5:7
2. Abdii godhadhu Miikiyaas 7:7

Ijoolleen nama jireenya isaani tiin oomishuu, hojjechuu fi ofii isaanitti godhuu kan isaani dadhabamee wantotaa akka jiran in beeku (humna haafuraatiin qofa kan hojjetu). Kun immoo lakk.7 fi 8 wal qabatani kan jiran ta'uun isaa ifaadha. Yaadi hiikicha garuu cimina kennuu irratti wal qabatee jirahii? Lakk.7 jabina gaarii lakk.8 garuu cimina alta'aa qaba (lakk.9)

Tarii kan biraa walqabatee kan jiruu fakkeenya faalla jirachuu danda'a. Waaqayyo dhugaa kan ta'ee murtoo isaan irratti giddugalleessa gara sabaatti in fidaa. Ifnii itti gaafatamummaa fida (Luq 12:48).

■ **“Leencaa”** leenca jechi jedhuu jechi dhokataan (icitii hiikaa) ciminaa fi humna kan ibsuu ta'uu kan durii baha dhi'oo itti fayyadamaa turan. Mata dureen addaa leencaa kan jedhuu kakuu moofa Hose'aa 5:14 ilaaluun in danda'ama.

■ **“Eenyu iyyuu kan nuu buusisuu in jiru”** dubbiin ciggoo kun yoo ta'uu humna Waaqa ibsuuf kan taa'eedha (Kes 32:39, Iyo 10:7, Far 50:22, Hose'aa 5:14 akkasumas jechoota walitti dhi'aatan Iyo 9:12, 23:13 fi Isa 42:44 dha.)



**5:9** kun 7-9 kan jiru keeyeti kun baay'ee wal mormisisaadha. Kanaaf barsiisa adda addaan hiikitoota baay'eeni fi yaada kan kennaniin ka'aame in argina. Lakk.9 lakk.7-8 kan jiruu yaada ta'uu danda'a. kun kallattidhaan bilisaa waan baataaniif hafteen dhumaa in dubbata.

■ **“Dhabamsiisuu”** jechi jedhu (BDB 503, KB 500, Niphal IMPERFEC, tarrii bifa JUSSIVE) hundee kan lakk.10, 11, 13, fi 14 kan qaqqabatuu yoo ta'uu waa'ee saba Kana'aan irratti kan ta'uu murtoo qabiyye dubbatuudha, sabni kun ofii amanachuu kan ittii fufee jirun

1. Baay'ina humna waraanaa
2. Daanoo jabaa
3. Amantii, seera kan qabuu fi waaqa tolfamaa isaaniin ture

Kun abdii sobaa fi waaqeffannaa sobaa Kana'aanii fi naannoo ishee kan jiraatan akkasumas Israa'elii fi Yihudaa irratti dhiibbaa godhe ture (Uumama 15:16).

## **Miikiyaas 5:10-15**

<sup>10</sup>Waaqayyo, **“Gaafas waanan godhu beeka!**

**Fardeen kee si gidduudhaa nan balleessa, konkolaataa ati lolaaf qopheeffattes nan caccabsa,**

<sup>11</sup>Mandaroota biyya keetii lafa irraa nan balleessa, marsaa ati qabdu hundumaas lafatti nan dabala;

<sup>12</sup>Qoricha ittin nama doorsiiftuu si harkaa nan balleessa; moora-ilaaltuus deebitee hin qabaattu, <sup>13</sup>bifa fakkeenya kee, utuboota dhagaa ati jalatti hirreeffattus biyya kee keessaa nan balleessa; ati wanta harka keetiin qopheessitetti deebitee hin sagaddu.

<sup>14</sup>Mukkeetti ati qiqqirixxee waaqayyittii tolfamtuuf dhaabde si gidduudhaa nan bubuqqisa, mandaroota kees nan jijjigsa\*.

<sup>15</sup>Saba lafa irraa warra anaaf hin dhageenye hundumaa aariidhaa fi dheekkamsaan ijaa nan ba'a” jedhee dubbateera.

**5:10-15** sabni Waaqayyo kan jedhaman isa irratti in amanan ture ta'us garuu (1) baay'ina loltoota isaani lakk.10 (2)daanoo ijaaratan lakk 11(3) moora-ilaaltu isani lakk.12 fi waaqa tolfamoota lakk.12-13 of jajuu turan Isa 2:8). Yaahiwwen humna dhaabbu fi fedha isaa raawwachuutu irra ture. Kun “Ani” jechi irra deddeebi'amee Izr 36:22-38 irra kan jiru na yaadachiisa (waa'ee kakuu haara in ibsa).

**5:10 “Guyyaa sanatti”** jechi jedhuu waa'ee Waaqayyo guyyaa firdii kan dubbatuudha (4:1-6 ilaali)

■

NASB, NKJV

“Kutuu”

NRSV

“Balleessuu”

TEV

“Dhabamsiisuu”

NJB

“Adda baasani dhabamsiisuu”

Gochami kun (BDB 503, KB 500, Hiphil PERFECT) Hiphil/haala ta'umsaa jecha dhkataa beekamaa dha. (“kutani dhabamsiisu”)waa'ee guutumma guutuutti baduu fi dhabamsiisuu in dubbata (Fakkeenya lakk 9:10, 11:12:13, Isa 9:14, 10:7, 22 Amos 1:5, 8 Zaka 9-10).

■ **“Fardeen kee”** saba Waaqayyo (mootota kee) ajaja Waaqayyo wajjin (Keessa deebi 17:16) humna waranaa isaani baay'isachuuf gara Gibxii deemu isaani (konkoolaata) kun jecha gati hin qabne utuu in ta'iin bara kamitti iyyuu humna warannaa kan ibsudha.

■ **“Konkolaatoota kee”** konkolaatootni bara sanatti meesha waranaa ol aana turan. Yeroo sana turee (olaantummaan Gibxiidha Hiksoos) Foneeshiyaadhaan yookaan Filisxeemootan kan beekaman isaan sibila irraa hojjechuun akka meesha waranaa cimaatti in fudhatu ture.

**5:11 “kan ati hojjete hundumaa nan balleessa”** ragaa Asor irraa akka beekneeti bara 701 Naabukadinaatsoor kan Yihudaa arfutamii jaha siidaadhaan kan marfaaman qabatee ture (lakk 14 b ilaalai).

**5:12 “Qoricha ittin nama doorsiiftuu.....mooraa ilaltuu kee”** lakk.12-14 kan jieruu saba Waaqayyo gidduu hojii warra qoricha namatti godhani akka jiran in dubbata (BDB 506 isaa gara fuulduraa beekuun yaali isaan godhan in ibsa). Hojii kana akka hejjeetan Leewota 19:26 fi Keessa deebi 18:9-22 dhowamee ture. Baay’ee isaani Elzaabeel irraa gara Isiraa’el akka dhufan 2<sup>ffaa</sup> Mootota 9:22 irratti ibsameera.

**5:13 “Bifa fakkeenya...utuboota dhagaa qulqulluu...hojii harka keeti”** kun sabi Waaqayyo waaqessaa kan turan waaqa tolfamaa in dubbata (Uumamaa 28:18-22 Keessa deebi 16:22).

**5:14**

<b>NASB</b>	<b>“Ashiriim”</b>
<b>NKJV</b>	<b>“Fakkeenyooota mukaa”</b>
<b>NRSV, NJB</b>	<b>“utuboota dhagaa qulqulluu”</b>
<b>TEV</b>	<b>“Kan Ashiriim fakkeenya waaqa”</b>

Kun kan inni dubbatuu waan gurguddaa (dhedheraa) kattawan irratti ol jedhani kan fannifamee fakkoota Ba’ool bukkee waa’ee isa ka’amu muka irraa kan hojjetaman utubaa dhagaa waaqa tolfamaati dha. (BDB 81 mukaa soofamee yookiin mukaa lalisaa irraa kan hojjetamee waaqa tolfama yoo ta’uu kan bakka bu’uus mukaa jireenyaati). Kun kan inni bakka bu’uu mucaa kan kennituu waaqa Kana’aan yoo ta’uu (fakkeenya Kes 7:5, 12:3, 16:21, Abboota firdii 3:7, 6, 25 1Mota 14:223 2Mot 18:8 2<sup>ffaa</sup> Seena baraa 31:1) lakk.irratti kan jiruu kan bocamee fakkeenya waaqa tolfamaa immoo mucaa kan kennuu waaqa (Ba’ooliin) bakka bu’a. Isaan mucaa keesumaa kan kennan waaqoota fi waaqollii Fooneshiyaa (Ezbeel) giddu galleessaan yoo beekamtuu isaanis saba Waaqayyo gidduutti baay’ee beekamaa fi waaqa tolfamaa beekamoo turan (1Mot 18-19).

■

<b>NASB,NKJV,</b>	<b>“Magaaloota kee”</b>
<b>TEV,NJB</b>	<b>“Mandaroota kee”</b>
<b>NRSV</b>	

Beektoonni tokko tokkoo akka tilmaamanitti “magaaloota” jecha jedhuu immoo jedhani kan ibsamee ta’uu isaan (lakk. 11 BDB 746) yaadi wal fakkaatan kun immoo “Ashirim” kan jedhuu lakk.14 sarara 1ffaa irratti ibsamuti irra ture. Kana jechuun immoo Ugiratic jalaa tarrii Araba jala ta’uu danda’a jedhani tilmaamu (REB dhiigaan kan uffifaman bakka aarsaa).

Kan Yihudaa qayyabbannaa macaafa qulqulluu yaadannoo miila jalaa fi NET macaafa qulqulluu waaqa tolfamaa jedhuun in ibsa.

**5:15 “Aaridhaa fi dheekamsaan ijaa nan ba’a”** “dheekamsa” kan jedhuu (“dhaan” kan jedhuu walitti dhuufeenyi yoo idaa’amu) fi “aarii” (BDB 404) kan jedhan hiika jechichaa cimina kennuf (aarii guddaa).

Yaadi kan biraan immoo lakk.15 yaada adda addaa ilaaluu dha. Yaahiwwen kan isaa kan faca’ee saba kakuu isaan in jabeessa irra deebi’ees isaan in haareessa ta’us garuu isaaf deebii warra hin kennine warra ejjan (waaqa tolfamaa wara waaqessan) raawwate isaan in balleessa.

■ **“Dhaga’aani warra hin aboomamne saboota irratti”** kan jedhu gochami (BDB 1033, KB 1570, Qal PERFECT) dhaga’uu jechuu aboomamuu jechudha jedha. (4:1 irra kan jiruu yaadannoo ilaali) jecha walffakkaataa ta’ee IMPERATIVES (keeyata ajajaa) bifan yoo ta’uu 6:1 irra deebbi’ameera. Kan fafaca’an saboota kakuu giddudhaa Yaahiwwen dhaga’uudhaan bilisa ba’un garuu dhugaa dhaga’aaniif deebii kennuu tu isaan irra jira (lakk.7). kun garuu kanaan duraa kan jiruu keeya wajjin yoo wal maadalu tarri qabiyyicha keessa kan ba’ee fakkaata ta’us garuu Waaqayyo saboota Israa’elii yookiin Yihudaa gidduu kan in loogne haala ta’een xiyyaafannoo itti kennuu in dubbata.

Inni daangaa biyyaa lafaa hundumaa waaqadha ta’us garuu saba kakuu isaa qofa sagallee dhugaa isaa raajoota dhugaatiin in dhaga’a.

## **GAAFFIIWWAN MAREE**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Dhaloota Kiriistoosiin duraa bara 750 jiraacha kan turee Miikiyaas akkamitti bakka dhaloota Yesus iddoo sirrii raajuun isaa faayida qabeessa ta'uu danda'ee?
2. Lakk.7-9 yaadoti jiran jarraa 8ffaa kan raajoota qabiyyeen akkamitti keessa ba'aa ta'uu danda'ee
3. Biyyi keenya akka Israa'el lakk.10-14 kan jiruu akkamitti wal arguu danda'aa
4. Isa 2:6-8 kan Miikiyaas 5:10-14 kan jiruu wal fakkeenya ibsi

# MIKIYAAS 6

## HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Gooftaan Israa'eeliin kadhata	Namoota Israa'eel keessa sadarkaa adda addaa irratti walitti aanuudhaan kan ta'e boo'icha, sodaachisa fi mormii	Dhimma Waaqayyoo Israa'eel irratti	Dhimma Waaqayyoo Israa'eel irratti
	(6:1-7:7)		
6:1-2	6:1-2	6:1 6:2	6:1-5
6:3-5	6:3-5	6:3-5 Waaqayyo kan isaan barbaadu	6:6-8 Magaalaa keessa kan jiran warra gowwomsan irratti
6:6-7	6:6-8	6:6-8	6:9-15
Haqa jallateef Adabbii Israa'eel			Fakkeenya Samaariyaa
6:9-12	6:9-16	6:9-16	
6:13-16			6:16

### DUBBISA MARSAA sadaffaa (fuula vii irraa)

#### *SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuudanda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

### TAREEFAMAA BOQONNAA 6 IFA TA'E

- A. Waaqayyo (Yaahiwween) saba isaa gara mana murtiitti dhiyeessa lakk.1-5 Waaqayyo saba isaan kan inni qabu amanamumaa ibsaaf (lakk.3-5) . Raajootaa keessatti inni kun haala barreeffamaa isa beekamaadha. Fakkeenyaaf Isa 1, Erm 2, Hose'aa 4.
- B. Sabichaaf Waaqayyo kan dhi'eesse komiin deebi in kenna (lakk6-7)
- C. Waaqayyo (Yaahiwwee) karaa raajichaan sabichaaf kan qabuu fedha in beeksiisa (lak.8)

D. Waaqayyo (Yaahiwwee) dureeyoota Israa’elii fi warra hamtoota cubbuun akka adabaman karaa raajichaan in dubbatta (lakk.9-16) sababa kasanaaf Lew 26 fi Keessa deebi 28 kan dubbatee abarsa kakuu tuqee in farada (fakkeenyaaf (Mul’ata 26:26, Keesa deebii 28:15, 18, 40, , 51).

## QAYYABBANNA JECHAA GAALEE

### Miikiyaas 6:1-5

<sup>1</sup>Ammas wanta Waaqayyo jedhu dhaga’aa!

“Ka’ii, dhimma koo tulloota duratti dhi’eessi, gaaroonnis sagalee kee haa dhaga’an!” anaan jedhe\*.

<sup>2</sup>Isin yaa tulloota nana, isinis hundeewwan lafaa warri bara baraan jiraattan, hadheessa Waaqayyo dhi’eessu dhaggeeffadhaa!

Waaqayyo saba isaa waan ittiin hadheessu qaba, Israa’elittis in falma.

<sup>3</sup>Waaqayyo, “Yaa saba ko ani maalan si godhe? Maaliinan si dallansiise? Anatti himi\*!

<sup>4</sup>Anoo biyya Gibxiitii sin baase, garbummaa jalaas sin fure;

Museen, Aaronii fi Miiryaam akka si geggeessaniif isaan ergeera\*.

<sup>5</sup>Yaa saba ko, wanta Balaq mootiin Mo’aab gochuuf korate,

wanta Ba’ala’aam ilmi Be’or deebiseefis, hojii koo isa qajeelaa akka hubattuuf iddoo

‘Shiixim’ jedhamuu hamma mandara Giilgalitti wanta ta’es yaadadhu!” jedhe\*.

**6:1-2 “Dhaga’ii”** kan jedhuu galumsaa adda addaa qabatee in argina lakk.1-2

1. “Dhaga’aa”.... Gaaffii kadhataa ilaalata baay’ee barbaachisaa fi xiyyaafannoo kan barbaadu dha.
2. “Ka’ii” (BDB 877, KB 1086) - Qal IMPERATIVE
3. “In faradamee” (DBD 936, KB 1224) - Qal IMPERATIVE
4. “Dhaga’ii” (BDB 1033, KB 1570) Qal IMPARATIVES (keeyata ajajaa) IMPERATIVES (keeyata ajajaa) xiyyaafannoo barbaachisa kan barbaadu
5. “Dhageeffadhuu” (BDB 1033, KB 1570) - Qal IMPERATIVE

“Dhaga’ii” kan jedhuu Miikiyaasiif boqonnaa haara yoo jalqabuu jecha itti fayyadamu dha (1:1, 3:1, 6:1). Lamaaffaan xiyyaafannoo kan barbaadu “ka’ii” kan jedhuu saala dhiiraa kan argisiisuu ta’ee lakk. qeenxee dha. Kun kan inni argisiisuu Miikiyaas kan jedhuu kan Waaqayyo bakka bu’ee dubbatu ta’uu yookiin saba wali galaa kan argisiisuu dha. Fillannoo #1 kan sirri ta’ee irraa caaluu in mul’isa.

Boqonnaan kun akka boqonnaa hundumaa kan firdii haala argisisaa. Yaada olaana wajjin firooma kan qaban jecoota adda addaa ilaalu barbaada:

1. “Ka’ii” (ragaa Bau fi ragaa sobaa fakkeenyaas Kes 19:15-16 fi ragaa sobaa Far 27:12, 35:11) lakk.1
2. “Murteessau” (mana murtittii wal famuu dadhabina isaa yookaan bifa sirri ta’een Fakkeenyaaf Isa 1:17, 3:13, 97:16, bifa alta’aadhaan Isa 7:9, Far 103, 8, 14 kan adda ta’ee lakk.9 Erm 50:34
3. “Dhaga’aa” (jechuun akka murteessa ta’uu yookaan kan nmogaafamee abbooti murtiif fakkeenyaaf 1:2)
4. “Dhageeffadhaa” lakk 3 wajjin gosa tokkoodha jechi
5. “Komachu” lakk.2 wajjin wal fakkaata
6. “Dhimma yookiin wal falmii” lakk.3 fi 5 wajjin wal fakkaata
7. “wali galuu dhabuu” (BDB 406, KB 410, Hithpael IMPERFECT gara abba murti biraatti cesisuun murtii cesisuu Fakkeenyaaf Isa2:4, Miikiyaas 4:3

Waaqayyo (Yaahiwwee) saba kakuu irra deddeebi’ee kan ta’ee amanamuu dhiisuun (Hose’aa) fi cubbuu (kan Amos) sababni hiikamaa jira. Wal falmiin kun dhimma murtii hanga boqonnaa 7 itti fufuu danda’a.

■ **“Isin yaa tulloota nana, isinis hundeewwan lafaa warri bara baraan jiraattan”** dhugaa kakuu moofaa sirritti adda baafachuuf ragoota lama barbachiiisu (lakk. 35:30, Kes 17:6, 19:5). Yaahiwween samiidhaaf lafa ragaadhaaf akka fayyadamee hundaa Israa’eli fi Yihudaa irratti “tulloomi bakka ol ka’oo” ragaadhaaf isaan in waama(keessa deebi 4:26, 31:28, 32:1, Far 50:4 fi Isa 1:2). Yeroo baay’ee tulluuti kakuu moofatti namummaadhaan mul’ateera (akka namaa) fakkeenyaaf 2ffaa Samu’eel 1:21, Far 15:16 Isa 35:1, isaan ol aanoon bakkotaa dha fakkeenyaaf bakkoota ol ka’oo “Ba’ooli fi Astarooti” kan isaan waaqessani dha.

**6:2** Luqisiin kun ifa kan ta'ee dubbii jecha dhokataati dha. Waaqayyo saba isaa walitti qabatti komachuuf deebi'ee Yihudaa irratti tullootaa fi iddoo ol ka'oo hundee dhaabatoo namummaa kan ta'ee ragaa godhee in dhi'eessa.

■ **“Sabi isaa”** carra qabeessa (saba kakuu lakk.3 Rom 9:4-5) itti gaafatamummaa isaa Bauf carraa qabeessa dha!

■ **“Waaqayyo saba isa wajjin wal falmii qaba”** kun kan warra kaaba qomoo kurnan in ilaalatu (Israa'el qofa) lakk.16 qofa. Ta'us garuu firoota hundumaa sanyii Yaaqoobi yookiin (Israa'el).

**6:3-5** Waaqayyo (Yaahiwwa) saba isaa maal jedhee gaafatakunnis inni amanama ta'ee utuu jiruu isaan garuu xiiqiidhaan waan itti fufaniif Waaqayyo (Yaahiwwa) jechi abbaa isaa itti fayyadamaa jira. (kun kan Hitayit Suzuriin kan kumaa lamaaffaa wali galtee mul'isuuf Kes fi kan Iyyaassu kitaaba 24 itti yaadee itti fayyadamuun inni hojii amanamummaa isaa gochuu irraa gara boodeeti isaan in yaadata.

**6:3 “Malaan godhee”** jechaa saba isaa gaafachuudhaan isaa irratti kan isaan qaban komii fi gungummi gara isaatti dhi'eessanii akka komatan isaan in gaafata Erm 2:5. Waaqayyo itti gaafatamummaa kakuu isaa eessatti fi yoom akkamitti amanamummaa akka ba'aan isaan gaafata.

■ **“Anatti himaa”** kun seera qabeessa kan ta'ee jechi dhokataan (BDB 772, KB 851, Qal IMPERFECTIVES (keeyata ajaja) kana jechuun isa irratti isa irratti ragaa seera qabeessa akka dhi'eessani dha. Bau 20:16 Kes 5:20, 2<sup>ffaa</sup> Saamu'eel 1:16). Waaqayyo hiikaan dhimaaf irratti akka kakaasuu namni dhuunfa tokko ta'ee in argina.

**6:4 “Biyya Gibxii baaseera”** kun kan inni argisiisuu Uumamaa 15:16 Waaqayyo Abirahamii kakuu galee fi ba'utti kan raawwatame raawwii wajjin walitti firoomuudhani dha. Ba'u irratti kan inni jedhuu seenan Israa'el biyyaatti keessatti dhaabata kan ta'ee hojii Waaqayyooti Bau 20:2, Kes 5:6, 7:8. Gochaan kun ifatti kan inni argisiisu kan galee kakuu itti gaafatamummaa irra jiruu amanamummaa kan ta'ee kennuu isaati. Fakkeenyaaf Amos 2:30, 3:1, 9:7) ayyanii Waaqayyoo seera Musee dura turee yookiin dhufeera.

■ **“Fureera”** kan jedhuu jecha jechatti yoo hiiknu deebii'ee bittu (BDB 804, KB 911, Qal PERFECT). Galumsii jjechichaa kan inni argisiisu garba tokkoo yookiin dinaan booji'amee kan hidhamee booji'amaa yookiin nama hidhamaa deebisee bittuuni dha. kessumatti furuu ykn bituu mata duree jedhuu Hose'aa 7:13 ilaali.

■ **“Museen, Aaronii fi Miiryaam akka si geggeessaniif isaan ergeera”** Waaqayyo kan barbaachisuu mul'ataa fi geggeessa kennee ture. Ta'us garuu sabi isaa in hamaatan, yeroo bahanittis akkasuma ittumma hamaataan. sabni Waaqayyo xiiqummaa yookiin kan mormaa boqujabeessa galmeen akka turee Isxifanoos Hojii Ergamoota 7 lalabichi ibseera. Ta'I jedhee Mariyaam akka Musee fi aaron hunduu tokkummaadhaan ibsiteeti.

## **MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTTA WANGEELA KEESSATTI**

### **I. KAKUU MOOFAA KEESSATTI**

#### **A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu**

1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
2. Akka garbaatti hakuucaman (Ba'u 21:7-11)
3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).

#### **B. Gochaan immoo milchaattotadha**

1. Dhiiris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
2. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
3. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
4. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
5. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
6. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
7. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
8. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Farn turani (1Seen 25:5-6).

C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti

1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
3. Dubartiin Diboora jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).
5. Mootittiin Asteer, dubartiin filatantuun sun, peershiyaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI

A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartoonni akka lammiilee sadarka a 2ffaa kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).

B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti

1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
2. Hanna, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turte fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26,Rom. 16:3).
7. Maariyaam, tiriifeenaa, tiriifoosaa, Persis, Juliyaa, Obboleetii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?

A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?

1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gcohaa ta'es isa qofa.
2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.
  - a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)
  - b. Judisimii jaarraa 1ffaa keessa ture
  - c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1ffaa Qoronxoos keessatti ibse
    - 1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
    - 2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
    - 3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
    - 4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
    - 5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
    - 6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).
3. Waaqayyo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti ofiisaa ibsera. Mul'ata jrii fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.

B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?)

kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu.

Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa lffaa keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

Ta'uyyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos Keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontoosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaaif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaaif daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba. Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartoonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eeyyamamuuf, gaggeessuufis hin eeyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa?

Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii “eeyyee” jedhu kenna. Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyoo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu. Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,

*How to Read the Bible For All Its Worth* by Gordon Fee and Doug Stuart (pp 61-77). *Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics* by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

**6:5 “Yaadi”** BDB 269, KB 269) jechi kun Qal IMPERATIVES (keeyata ajajaa) IMPERATIVES (keeyata ajajaa) dha. saba kakuu Yaahiwwee bara duraan turee rakkinnaa fi mul'achuu akka itti yaadnu barbaada Seera lakk 22:5-6.

■ **“Balaq... Bala'aam”** Bezilaan kun 22:25 boqonnaa jiruu irratti kan barreefamee gochaa dha.

Siixiim Ijoolleen Israa'el gara biyyatti abdiituu utuu in galiin duraa dhuma irratti iddoo buufatani turani dha dabalataaniis ijoollee durbaa lixaa wajjin ejjaa jiru (kunnis waaqeffana wal horuu Seera lakk. 33:49 fi Iyyaassuu 3:1

■ **“Gilgeelaa”** Warri Israa'el immoo Yordanoosiin erga ce'aani booda gara byyatti abdiituu erga galanii booda yeroo jalqabaatiif kan buufatanidha. Cubbuu isaanitiin laphee abba murtii Siixiim utuu jirani Waaqayyoo dhiisee guutee kan dhangala'uu galaana Yordaannos baatee isaan ceesiseera. Olitti kan ibsaman iddoowwaan lama yoo fudhanne kan inni argisiisuu galanaa Yordaannos yeroo guutuutti yookiin waqtii guutuutti kan uumamee ce'umsa aja'ibsiisa ta'edha.

## **Miikiyaas 6:6-8**

**‘Ani maal fudhadhee Waaqayyoo duratti dhi'aadhu?**



**Waaqayyo isa olgararraa jiru durattis attamitti gugguufu?**

**Qalma gubamuu fi jabboota waggaa tokkoo fudhadhee  
fuula isaa duratti dhi'aadhuu ree\*?**

**<sup>7</sup>Gooftichi korbeeyyii hoolaa kumatti,**

**dhadhaa ejersaa akkuma bishaanitti lagoota kuma**

**kudhan keessa yaa'utti in gammadaa ree?**

**Irra-daddarbaa koo fi ilma koo oolchuudhaafis dhala**

**koo aarsaa cubbuu godhee dhi'eessuu ree\*?**

**<sup>8</sup>Inni wanta gaarii ta'e sitti himeera. Yaa namaa!**

**Wanta qajeelaa ta'ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachuu,**

**gad of deebiftees Waaqayyo kee wajjin deddeebi'uu malee,**

**gooftichii maal sirraa barbaada ree\*?**

**6:6-7** lakkoofsota 6-7 keessatti ajjiifannoo jabaa ta'etu jiraRaajichi lakk. kan yaada baay'ee kaasee Yihudaa biratti kan baratamee ilaalcha namootaa sagaleen argisiiseera. Akkas jedhani yaadu turan Waaqayyo nu'iif maadalii akka hin taanee fi akkasumas aarsaa baay'ee qofa kan barbaadu ta'uuisaa.

**6:6**

**NASB**

**“Waaqa iddoo ol jedhaa”**

**NKJV**

**“Ol kan jette Waaqayyoo”**

**NRSV**

**“Waaqayyo iddoo ol jedhaa irratti”**

**TEV**

**“Waaqa samii”**

**NJB**

**“Waaqa hundumaan olii”**

Kun (BDB 43, CONSTRUCT BDB 928) ol kan jedhee Waaqa guddaadhaa fi jecha dhokataa dha.

■ **“Jabbii waggaa tokkoo”** kun mudaa kan in qabne jabbii aarsaadhaaf kan dhi'aatuu guyyaa sadeetti hangaa waggaa tokkootti kan jiruudha (Lew9:3 fi 22:27).

**6:7** **“Korbeeyyii hoolaa kumatti, dhadhaa ejersaa akkuma bishaanitti”** sabini (1) Waaqayyoof akka dhi'eesinu kan inni barbaadu ammamtaan gararraadha. Garuu Waaqayyo akka jedhan isaan in gaafanee kan ormaa shaakala waaqeffannaa in calaqisiisuu ture. Yookaan (2) addaa biyyaa tokkoo aarsoota baay'ee in dhi'aatuu (mana qulqullumaa Solomoon gooftaaf kan dhi'eesaniif yeroo fakkeenyaaf 1Mota 8:63 isaan warra dubbatan kan bakka bu'an akka biyyaatti guyyaa qalbi jijjiirannaa waa'ee gocha godhamuuf kan dubbatan (aarsaa baratamee).

■ **“Muca ulfinna koo ija garaa kooti”** haa ta'u malee wanti kun ta'ii jedhee (kan keessa oolamee) uumama 22 yookiin Bau 13:2-12 yaada jiruu kan waldalchisuudha seera Musee 20:2-5, Kes 12:31, 18:10, Far 106:37, Erm 7:31 sabni Waaqayyoyireenya hafuura isaan bittaa itti galuu fi Waaqayyoon (Yaahiwwee) Moolekin deebi'ee waaqessuu yaaluu waaqa tolfamaa lalisaa amen jedhee waaqessuu hin hafuu (Leewota 18:21, 20:2-5, 1Mota 11:7, 2Mot 3:27, 16:3, 17:17, 21:6, 23:10, Erm 32:35, Amos 5:26, Hojii Ergamoota 7:43) sabi Waaqayyo lafatti haaresuuf kan yaalu mudaa kan hin qabne mucaa yoo dhi'eesedha. Karaa tokkoon qabiyyeen aarsichaa gara kalatti hin taanee in kennaa (in bal'ataa) kan ta'ee garuu yaadi kun uumama 22 fi fannooisaa irratti (gooftaadhaan) kan mul'atee Mar 10:45, 2Qor 5:2.

**6:8** **“Dubbateera”** kan gochamicha (BDB 616, KB 665) yaadi kan ammaa fi kan yeroo darbuu kan argisiisuuf tarii amalakee fi fedha kee mul'iseera. Addumaan aarsichaa wajjin yeroo walitti firoomu <sup>1</sup>faa Saamu'el 15:22, Far 51:16-17 Isa 1:11-17 Hose'aa 6:5-6 luqisiin kun kan Miikiyaassireefama kan kennuu kan argisiisuu fakkaata.

■ **“Yaa namaa”** waamamni samii irraa kun kan inni argisiisuu kan warra ejjani saba kakuu Yihudaa dha. luqisiin kun ormonni akkamitti akka fayyan mitti kan argisiisuu garuu sabni kakuu akkamitti Waaqayyoof dhiifama guddaa deebii kennaa jirachuu akka danda'uu kan argisiisuu dha fakkeenya kakuu moofaatiin mudaa ommayyuu kan hin qabne beeladaa aarsaa ta'u dha (Hojii Ergamoota 29, Qoronxoos 5:21) mata duree kanaaf ifaa kan ta'ee mare yoo barbaachiseejechootaa macaafa qulqulluu cicimaa kan jedhuu ilaali (Hard Sayings of the Bible, pp 336-337).

■ **“Waan gaarii”** luqisiin kun Miikiyaasiif jechama baay’ee beekama dha. jechamichi kan inni argisiisuu kan jaalala dursa kennuuf mata duree mata dureetti walitti dhufeenyi sadarkaa guddaa kan qabatee ibsa kunuunsa jaalalaat (Far 14:1, 3, 37:3, 51:17, 12:6 fi Far 15:2-5 irratti mul’ateera. Mallatto abarsaa miti. Aarsaa dha (Isa 1:13, Amos 5:21-23) luqisiin kun ija Waaqayyoon gaarii kan jedhu jechii hiikaa baay’ee gaarii kan kennuu dha (BDB 373 II) 3:2, Isa 1:17, 5:20, Amos 5:14-15).

■ **“Kan fedhuu yookaan barbaaduu”** gochami kun (BDB 205, KB 233) gochaa itti fufiinsa qabu (Qal ACTIVE PARTICIPLE) kan ibsuu dha. Jechichii yoo hiikamuu “kan inni barbaadu” yookiin “kan inni gaafatu” kan jedhuu dha (fakkeenya Kes 18:19, 23:21).

■ **“Murtoo”** kan jedhuu qabiyyee kanaan seerri (murtoo) kan argisiisuu bifa sirriin loogi kan hin qabne lakk.9-11 kutaa jiruu irratti kan qayyabbatuudha. Kakuu moofaan kan hin beekne kan biyya lafaa fi warra qulqulla’an gidduu garagarummaan kamiyyuu akka hin jireedha. Jireenyi hundumtuu qulqulluudha boqonnaa 3 jallatti kan jiruu yaadannoo ilaali walitti fufee jecha ibsamee Qal INFINITIVE CONSTRUCTS jechoota sadi arganna.

1. “Murtoo” akka gootuus murtoo goone (BDB 793, KB 889)
2. “Haraara” akka jaallattuuf (BDB 12, KB 17)
3. “Gad of deebisuun” akka deemtuuf haraara (BDB 229, KB 246)

■ **“Gad of deebisuu”** kan jedhuu dhumma kan hin qabne guutumaa dha INFINITIVE ABSOLUTE amantiin Macaafa qulqulluu jireenya haraa borii kallatti irratti dhiibaa in fida. Amantiin dhoksa jireenyaati kan waaqarraa yookiin kan amanti ibsa ejjeennoo muti. Jireenyi bara baraa kan waaqaraa kennaa kakuuti. Yeroo kufaatti bifa badeen /fakkeenya/ irra deebi’amani haaromsuu kan barbaadaan amaloota Waaqayyo namaa wajjiinis walitti dhufeenya qabnu ) dha. kun kakuu keessatti isaan amaloota olaantummaadhaan ibsuu kan danda’uu dha.

■ **“Haraara jaallachuu”** kan jedhuu baay’ee olaanaacimaa kan ta’ee kakuu dha hesed (BDB 338). Jechichi kan inni argisiisuu kakuu Waaqayyoo amanamummaadha kan inni calaqisiisuu kami wajjin iyyuu kan wal hin arginee kan Waaqayyo aarsaa jaalalaati. Ani yeroon yaaduu sagallichi karaa baay’eedhaan yoo hiikamu kakuu haaraan kammi wajjin iyyuu kan wal hin qabannee jaalala Waaqayyooti (Agapee). Adda kan godhee mata duree addaa Hose’aa2:19 irra ilaali.

■ **“Gadi of deebisuun deddeebi’u”** kun fedha mucaa namaaf beekamtii kan kennuu dha. Fillaanno hiikaa jecha kanaaf garaamii (BDB 557, Fakkeenya 11:2) fi dhi’eenya Waaqayyo seera Musee kan inni gaafatu hundumtuu ilaalcha sirrii ta’ee utuu in qabaatiin sirna godhamuu (Isa 29:13, lakk.57:15 fi 66:2) Waaqayyon kan dheekamsiisuudha. (1<sup>flaa</sup> Saamu’el 15:22, Matihoos 23:23) deddeebi’ii macaafa qulqulluu keessa (1)waa’ee eenyummaa nama tokkoo kan galee dubbii jecha dhokataan fakkeenyaaf Uumamaa 5:24, 6-9 Iyo 34:8 Far 1:1, Miikiyaas 2:6 fi yookiin (2) kan haraa jireenya keenya dubbi jecha dhokataan fakkeenyaaf Eeffesson 4:1, 17:5, 2:18 amanti macaafa qulqulluu Waaqayyo irraa fi namoota kan biraa wajjin guyyaa dha guyyaatti kan jiru malee torbanitti yookiin waggatti kan jirannu walitti dhufeenya miti.

## **Miikiyaas 6:9-16**

<sup>9</sup>Sagaleetu dhaga’ama! Waaqayyo mandaricha in waama;  
maqaa isaa sodaachuun ogummadha, kanaaf yaa gosaa,  
yaa walga’ii mandarichaa dhaga’aa!

<sup>10</sup>Waaqayyo, “Qabeenyi gar-malee walitti qabame,  
qodaan safaraa gad deebi’aan inni abaraamaanis  
amma iyyuu mana warra jal’ootaa keessa jiraare\*?”

<sup>11</sup>Nama miijana jal’isuudhaan dhagaa safaraas  
korojoo keessaa fuudhee waliin dha’uudhaan hojjetu calluma jedhee nan dhiisaa ree\*?”

<sup>12</sup>Hojiin dureessota isheetii humnaan nama irratti  
ka’uudhaan guuteera, warri achi keessa jiraatanis soba in dubbatu,  
arrabni isaaniis haxxummaadhaan in gowwoomsa\*.

<sup>13</sup>“Kanaafis ani rukutee sin dhukkubsachiisa, sababii cubbuu keetifis sin onsa.

<sup>14</sup>Ati in nyaatta garuu hin quufu, garaan kee keessi amma iyyuu in beela’a;  
in dhokfatta, garuu siif hin oolu; isa ati baqachiifattu immoo ani billaadhaaf nan kenna.

<sup>15</sup>In facaafta garuu hin galfattu, dhadhaa ejersaa in baafata,  
garuu ofi hin dibattu; ija wayni in cuunfatta, garuu daadhii isaa hin dhugdu\*,  
<sup>16</sup>ani akkan si onsuuf, warra si keessa jiraatanis ga'oof akkan godhuuf,  
salphina saba koos akka baattuuf, ati waan bara mooticha Omritti amala ta'e,  
wanta mana mooticha Ahaab keessatti hojjetamu hundumaas eegdeetta” in jedha\*.

**6:9** Sagalleen Waaqayyoo ergaan isaa sarara sadaffaa irraa jalqabee hangaa lakk.16 ti itti fufa. “Sagalee” (BDB 876) yeroo baay’ee dubbii Waaqayyoo ibsuuf itti fayyadameera. (Ba’u 19:19, 1Mot 19:13, Isa 6:8, IZR 10:5) kan NJB hiikaa “magaalaati in sochoosa” Ba’u 19:13, 16.

▣ **“Magalaatti”** kan jedhu Yerusaaalem kan Yaahiwwee maqaa isaa kan jiraachisee magaalaa addaa argisiisa (Bau 12:5, 11), iddoo mana qulqullummaa kan argisisaaniidha.

▣ **“Maqaa kee sodaachuun ogummaa dha”** gaalichi kan Miikiyaas sireefama kan argisiisu yookiin booda yoo hiikamu kan itti dabalamee (b) B fi NJB kan irra utaalameedha). Inni dubbi ogummaa ture. NRSV Warrabdo keessa kaa’a.

Jecha Ibiroota (BDB 444) yoo hiikamuu sagallee ogummaa jedhaan. Kunis ogummaadhaan kitaabicha irraa jecha teekinikaa ti Iyo 11:6, 12:16, 26:3, Fakkeenya 2:7, 3:21, 8:14, 18:1, Isa 28:29).

▣ **“Sodaa”** jechi jedhuu “arguu” kan jedhuu jechaa Ibiroota sirrifamni kan itti kennameedha (BDB 906, NKJV) beektoota torbataman hikicha hordofani (BDB 431). Qabiyyee wajjin deemuu kan danda’uu kan wayyuu fi B NASB, RSV, NRSV< TEV, NEB, REB, NIV keessatti kan argamuudha.

▣ **“Dhaga’ii”** kun (BDB 1033, KB 1570) Qal IMPERATIVES (keeyata ajajaa) IMPERATIVES (keeyata ajajaa) xiyyaafatee kan barbaadu ta’uu isaa kan argisiisuu haaran NKJV yookaan “ulicha dhaga’ii” jedhe NIV immoo “ulicha irratti xiyyeefadhuu” jedha.

▣ **“Yaa qomoo”** kun kan torbataamaa hiika (Septuwajentii) itti fufee ti dha. Barreefamni Maasoretikichaa “ulee” kan jedhu qabata (BDB 641). Fakkeenyaaf “ullee tiksituu” Bau 4:17, Isa 16:5). Kun nhundee jecha warra Hibiroota ta’uu kan danda’uu (1) “Ulee” (2) Boojuu (3) Qomoo. Waaqayyoo kakuu isaatiin ijoollee dhiiraa fi durbaa rakkinaa fi hiyeesoota jireenya hawaasummaa wal makuu irratti xiyyafannoo itti kenna (lakk.12)

▣

NASB	“Yericha kan murteesse”
NKJV	“Isa kan murteesse”
NRSV	“Saba magaalatti”
TEV	“Isiin sabooti magaalatiitti olitti qabamtan”
NJB	“Lammiwwaan walitti qabamtan”

NASB fi NKJV Hibirichaa duuka bu’aa garuu NRS, TEV fi NJB kan sirreefamee duuka bu’a (hiika luboota Saaba keessa hin jiru). Hiiki Maasoretikicha kana duuka kan bu’ee kan inni dubbatu Waaqi guddaan

**6:10**

NASB	“Amma ammatti mana jal’oota namni jira”
NKJV	“Amma ammaatti isaan kan jal’oota galmee dha”
NRSV	“Galmee jal’oota irraanfachuun danda’a”
TEV	“Mana cubbammaa galmee cubbuu”
NJB	“Safartuun soba sichii jira ta’aa?”

Jechi Masooretikicha keessa jiruu hin beekamu;

1. Jira ta’a (Masooretichi, NKJV)
2. Hojjechuu danda’aa (NRSV)
3. Bachuu nan danda’aa (NJB)

Qabiyyeen safartuu sobaa (jechuun, lakk.10-11) barreefamni Maasoretikii fakkeenya daldalaa deebisee dhageesisuu (dubbifamaa utuu in ta'iin dubbachiiftuu jijjiruu) in gaafata (lakk.11). Maasoretikichi eeyye kan jedhu deebi gaafii barbaaduudha.

**6:10-11 “Safartuu sobaa..... Dhagaa safaraa.... Walin dha'uun safaruu”** kan Maasoretikii lakk.11 bifa gaaffiitiini dha, ta'us garuu deebii miti jedhu eega. Isaan kan daldala keessa jiran fakeenya walin dha'uti (Hose'aa 12:7, Amos 8:5). Guutuun safartuu Hibirootaa fi mijanni mare Amos 8:5 keessatti kan jiruu mata duree adda ilaali.

**6:12 “Durreeyyi”** Miikiyaas warra carraa qaban, warra humna qaban, dhiibbaa warra fidani fi warra fayyummaa saboota kakuu ergaa qabuu ergaa Amosi wajjin wal fakkaata dha. sarari 2 fi 3 akkumitti wal fakkaachu akka danda'an itti yaadi. Hundumtuu sararootni sadii kan lakk. 9-10 gudunfaadhaa fi lakk. 8 faallaa dha.

**6:13-15** Waaqayyo Yerusaalemiin boojuudhaa fi maadii ishee cufuudhaan itti farada. Karaa gaariidhaan kan argtan hundumaa kan biroon itti gammadu. Waaqa tolfamaa alaa irra saba isaa eeguun dadhabbi Yaahiwwee utuu hin ta'in sababiin kana hundumaa cubbuu isaani akka ta'e yaada (lakk.13b: 16)!

**6:13**

**NASB, NKJV “Dhukkubsataa nan godha”**

**NRSV, TEV**

**NJB “Gadi isa nan buusa”**

NASB fi NKJV Maasoretikichaa duuka in bu'uu, kan biroon lubooti Saaba hiika Peshitta (Peshitta) fi Vulgeet (Volgeti) duuka in bu'uu.

■ **“Duwwaa nan godha”** jechi kun (BDB 1030, KB 1563, Hiphil INFINITIVE ABSOLUTE) Akadiyaadhaan kitaaba Meedikaalii keessatti “Naafa” “raatuu” “warra okolan” kan jedhuun hiikamee argama. Kanaaf, kan jalqabaa lakk, 13 sararii walaloo lamaan keessatti sabi kakuu cubbuu hojjechuu wajjin kan wa qabatee fakkeenya yaalumsaa qaba.

**6:14**

**NASB “Dhabiinsa dhowuuf ta'a”**

**NKJV “Beela dhowuuf ta'aa”**

**NRSV “Beela cimaa dhowuu irrati argama”**

**TEV “Ammas in beellooftaa”**

**NJB -----**

Rakkinni “dhabiinsa” yookiin duwwaa kan jedhuu jecha dha (jechuun, bututuu, BDB 445). Hiiki hin beekamu. KB (446) “samuu” kan jedhuu qaba. Peshittaa (Peshitta)“kan tortoree” jechuun hiika (jechuun dhukkuba garaachaa). Akkasumas isaan kana kan ilaalatuu yoo ta'ee hin beekamu (1)nama dhuunfa yookiin (2) hawaasa cubbammaa.

**NASB “Eegumsaaf dhabamsiisuuf yaalee ta'a”**

**NKJV “Dhaloota xiqqoo hin ta'a”**

**NRSV “In teesifta”**

**TEV “In fudhata”**

**NJB “Walitti qabda”**

■ **“Kaasuu”** kan jedhu gochami (BDB 690 I, KB 744, Hiphil [gosni akkasi kun kakuu moofaatti iddoo baay'eeti faayida irra oolera kakuu haarattis mallatto dhagaa daangaa kaasuu kan jedhu] JUSSIVE) qabeenya yookaan gatii kan kan qabu haala foyya'een dhoksuuf akka nu gargaaru yaaliin in mul'ata, ta'us garuubu'a qabeessa hin ta'u!

Kan walaloo sarara lamaaffaa “turuu” yookiin “qusachuu” gochama jedhuu fayyadama (BDB812). Isa 5:29 keessa turuuf jecha nyaata ishee kan deebiftuu leencaa dhaltuu faayida irra kan oole. NKJV akka NET kitaaba qulqulluu foon kan nyaataan beladoota fakkeenya kanatti fufee fakkaata.

**6:15 “In facaafata ta'us garuu.....hin haammatu”** kun kakuu cabsuun kan dhufuu abarsa keessati dha (Kes 28:30 ff).

■ **“Mataa kee dhadhaa ejersaatiin in dibattu”** kan durii baha dhi’oo ejersii bu’a baay’ee qaba ture. Tokko dhimmahawaasa qopheessuuf gogaa ittiin sukumuuf ture. Mallatto gammachuu fi namatti tolu ture. Dhadhaa ejersa dhabuun akka murtoo Waaqa irratti ilaalama ture (Kes 28:40).

NASB, NRSV

NJB

“Ija wayni”

NKJV

“Wayni minyaa’a”

TEV

“Waynii”

Kun jecha Hibirootaati “wayni haaraa” (BDB 440). Mata duree adda ilaali Amos 6:6.

**6:16 “Kan Omiir”** kun bu’a qabeessa mooti siyaasa ture (1Mota 16:21-28, bara bittaa moototaati dabalataan Appendix irra ilaalaa. Galmee Asor keessa maqichi qomoota kurnaniif maqaa baratamee ta’ee ture (jechuun, mana Omiritii).Maqaan kun waaqa tolfamaa isaaniif mallattoo ta’ee ture. Yihudaa bakka bu’a (fakkeenyaaf 2Mot 17:19, 22)!

■ **“Aki’aab”**kun Elzaabeeliin kan fuudhee mucaa Omiriti. Gara hawaasa Samariyaa kan Ba’aalii fi Asheeraan raajoota kan fidee (1Mot 16:29-34, 18, 21:25, guyyoota ilaallatee dhuma irraa haftee dabalataa ilaali).

■

NASB

“Ceepha’uu”

NKJV,NRSV

“Dheekamsa”

TEV

“Tufii”

NJB

“Kan arabsoo”

■ **“Dheekamsi”** jecha Hibirootaatii dha (BDB 1056), kabajuu dhiisuu fi fudhachuu dhiisuu kan argisisuu karaa adaatiin ture (2ffaa Seena baraa 29:8, Erm 19:8, 25:9, 18, 29:18, 51:37).

■

NASB, MKJV

“Tufii saba kootti in baatuu”

NRSV

“Tufii saba kooti in baatuu”

TEV

“Bakka hundumaati uummati jiruu tufiidhaan si ilaala”

NJB

“Kanaaf tufii saboota biroo danda’uu qabda”

Adda addummaan hiikaa fillannoota moortu

1. Masooretikicha- NASB, NKJV, NRSV
2. Hiika luba Saaba-TEV, NJB

## GAAFFIIWWAN MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Waaqayyo maaliif saba isaa gara murtooti fidee?
2. Lakk. 6-7 maaliif akkas gadisiisa ta’anii?
3. Dhimma mataa keenyaaf Waaqayyo in dirqamaa?

# MIKIIYAAS 7

## HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDA'A'E

NKJV	NRSV	TEV	NJB
Cubbuu Israa'eeliif gadda	Israa'eel keessatti hawaasa sadarkaa adda addaa qaban irratti kan walitti fufiinsa qabu sodaachisa, gaddaa fi komee yaadame	Malaalmaltummaa Israa'eel keessatti amaleeffatame	Yaookka aduunyaa guutuu irraa
7:1-2	(6:1-7:7) 7:1-7	7:1-4a	7:1-6
7:3-4		7:4b-6	
7:5-7		7:7	7:7
Qalbii diddiirrachuu fi jajjabina Israa'eel	Waaqayyo Israa'eeliif araara, jaalala, obsa isaa agarsiisa qaaniin immoo diinota huwwisa	Gooftaan fayyina ni fida	Tsiyoon diinotaan ni arrabsamti
7:8-10	7:8-10	7:8-10	7:8-10 Raajii haaromfamaa
7:11-13	7:11-13	7:11-13	7:11-13
Waaqayyo Israa'eeliin ni maara		Gara laafina Waaqayyoo Israa'eel irratti	Biti itti galiinsa diinota Tsiyooniif kadhata
7:14		7:14	7:14-17
7:16-17	7:14		Dhiifama Waaqayyoof kadhata
7:18 a-c		7:15-17	
7:18d-19b	7:18-20	7:18-20	7:18-20
7:19 c -20			

### DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

#### SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

- A. Boqonnaan kun eenyu akka dubbatuufi eenyuuf akka dubbatamu beekuun qoruun hin daanda'ama.
- B. Macaafni qulqulluun NIV eenyummaa isa dubbachaa jiru gabaabaatti kan inni kaa'u
  - 1. Mikiyaas Lak. 1-7; 11-13; 16-20
  - 2. Tsi'oon Lak 8-10; 14
  - 3. Waaqayyo; lak. 15
- C. Isa kanaan gadi hojjechuun baay'ee rakkisaadha.
  - 1. Hasawaa Raajichaa fi hasawaa Waaqayyoo addaan baasuu
  - 2. Sababni isaas bo'oon walaloon Ibrootaa Abbummaa walaloo sana waan gegeeddaruuf hog-barruu sana mijataa gochuu dha.

## QAYYABANNAA JECHOOTAA FI GAALEWWANII

### Mikiyaas 7:1-7

<sup>1</sup>Ani akka nama erga iji mukaa ciramee iji Wayiniis muramee booddee haftee barbaaddatee dhabee Waanan ta'eef, anaaf wayyoo!

Iji Wayinii akkan hin nyaanneef irratti hin hafne, ija harbuus isa dura bilchaatu illee garaan koo kajeelee ture, garuu irraa nan dhabe.

<sup>2</sup>Namni Waaqayyoof ofkenne lafarraa badeera, namni yaada qajeelaa qabus isaan keessa hin jiru, hundumti isaanii dhiigasaanii dhangalaasuudhaaf riphaniin eeggatu; namni adduma addaan kiyyootti wal inoofa.

<sup>3</sup>Harki isaanii waan hamaa hojjechuu ba'eessa godhee beeka; namni guddaan arka fuudhaa in gaafata, abbaan firdiis gabbarsuu fudhachuu dhaan firdii kenna; inni dubbiin isaa dhaga'amuuf akkuma garaan isaanii barbaade in dubbata, isaan kun dubbii micciiraniin walitti in fidu.

<sup>4</sup>Isaan keesasaa inni hundumaa caalaa ba'eessa jedhamu akka qoraatiiti inni yaada qajeelaa qaba jedhamus dallaa qoraattii caalaas hin sodachisa. Guyyaan adabamuu kee inni warri ilaaltuun si irratti dhufuu isaa argan ga'eera; walii wallaachisuun isaanii amma ta'uu isaati.

<sup>5</sup>Hidhata keessan hin amanina fira isaanitti dhitaattus hin amanatina hadha mana kee ishee hammattee ciiftu iyy waa himuurraa of eeggadhu.

<sup>6</sup>Ilmi "Joonja'adha" jedhee abbaa isaa in tuffata, intalli hadha ishee irratti hati mana ilmaas amaatii ishee irratti in kaati diinonni nama tokkoos warra mana isaa keessa in ta'u.

<sup>7</sup>Ani garuu abdiidhaan gara Waaqayyoo nan ilaala Waaqayyookoo isa ana Fayyisu nan eeggadha, Waaqayyootu anaaf dhaga'a

7.1. "Anaaf wayyoo" kun boo'icha nama dhuunfaa tokkooti (BDB 47) yooma illee gara hawaasichaatti yeroo itti darbu qabaatu illee, kun Macaafa Faarfamnaa keessatti akkaataa barreeffama baramedha (Far. 5: 13 22 55 71) Eenyu akka dubbachaa jiru waanti taa'e hin jiru.

- 1. Raajichi ofiimasaan
- 2. Raajichi bakka bu'aa yaa'iwwee ta'ee
- 3. Raajichi haftee Waaqayyoo bakka bu'ee



NASB  
NKJV  
NRSV  
TEV

"Nama ija funaanu ta'eera"

"Akkuma nama ija bonaa funaanu ta'eera.

"Iji bonaa erga funaanamanii booda akka qarmii hafuu ta'eera wayyoo

"Akkuma nama iji midhaanii tokkollee hin hafinii bela'aa ta'eera.

NASB “ Bona” (BDB 889) jecha jedhu irra darbeera. jechi kunis” Ho’aan” beekama. Kun yeroo itti midhan galfatan isa jalqabaa utuu hin taane isa dhummati. Yaa’iwwen ija arguuf baay’ee eegeera, garuu midhaanni galu hin turre.

■ **“Ani akka nama erga iji mukaa ciramee iji Wayiniis muramee booddee haftee barbaaddatee dhabee Waanan ta’eef”** namni beela’u nyaata akkuma barbaadu Mikiyaas qulqullummaa (lak, 3) beela’eera (Mat. 5:6 Macaafa Qulqulluu keessatti qulqullummaa akka midhaaniitti ilaaluun baay’atee jira Amo. 6:12 Yoh. 15:1-8 Fil. 1:11 Gel.5:23) Ameeriikaatti waldaan yi’uudotaa (JPSOA) lak.1 Samaariyaa akka bakka bu’u dubbata nyaata argachuuf barbaadaniiru garuu argachuuf hindandeenye. Sababi isaas:- 1)Marfamuu ykn (2) Waaqayyoo biraa beela (kes. 27-28) yaaduma kana lak. 7 irratti cimsa. Ta’us garuu ani kutaa kun yersaalam waliin akka walitti dhufu yaada. Gamtokkoon isaan baay’ee boodatti hafaniiru. /jechuuni qulqulluu ta’uu dhiisuun isaanii rakkina inni fidu raawwateera/ akkasumas gama biraan baay’ee dursanii argamaniiru (jechuun gara fuul-duraatti kan isaan ittiin harawan sagaleen kakuu ammayyuu hin geenye)

■ **“ija harbuus isa dura bilchaatu illee garaan koo kajelee ture** “ iji harbuu warri jalqabaa baay’ee minyaa’oofi kan eegamanii dha. Yooma illee midhaan inni jalqabaa hanga Adoolessaa yoo dhiyaachuu baate illee kan harbuu inni jalqaba kan inni ga’e Waxabajjii keessatti Namni ija harbuu isa jalqabaa akkuma hawwuu Mikiyaas tola dheebochaa jira.

**7:2 “Namni tolaan”** kun haalli kam iyyuu kan hin dangessine hiikkaa amanamummaa kakuu Waaqayyoo isa jedhu, jecha kakuu isaati isa ta’e Heseed (Hos. 2:19 isa jiru mata duree addaa ilaali (Fak. Lak. 18:6:87:10 Erm. 5:1) jechi kun ‘nama gaarii’ isa jedhu waliin wal-fakkaata kun yooma illee kan argamu yoo ta’uudhaa baate iyyuu, nama kakuu isaaf amanamaa ta’e kan agarsiisuudha (Fak. Far. 12:1 isa 52:1)

■ **“hundumti isaanii dhiigasaanii dhangalaasuudhaaf riphani in eeggatu ”**gochi hin (BDB 79:KB 83) Iyyaasuu fi Abboota Firdii keessatti baay’inaan kan ibsame qal IMPERFECT yoo ta’u ”waraanuu” jedhamee hiikameera. Kun Weelloo Adamoo yoo ta’u, saba Waaqayyoo warra adda duree ta’an mala yakka badiisa isaanii kan ibsuudha (jechuunii sassatummaa isaanii, qabeenya isaaniifi cimina geggeessitoota isaanii).

■

NASB

“ Dhiiga dhangalaasuu”

NKJV: NRSV

NJB

“ Dhiiga”

TEV

“Lubbuu baasuu”

Jechi kun (BDB 196) kallattiidhaan “Dhiiga” jechuudha. Jechichi baay’inaan jaarraa 8ffaa keessa Raajoti (baay’inaan Hiziqel Hose’aa 1:4:4:6:8 12: Yon 1:14 Mik. 3:10) jeequmsaafi du’a ibsuuf kan isaan itti fayyadamaniidha.

■ **“Namni adduma addaan kiyyootti wal inoofa.”** carraa argatan hundumaan wal-miidhu turan, qajeelfami isaanii ” kafaltii kamiin iyyuu anaaf isa caalu dabali “ kan jedhu ta’uu hin oolu. Akka fakkeenya Waaqayyootti namooti uumamani tokkummaan kakuu isaanii kan akkasumaanii ta’e,

**7:3 “Harki isaanii waan hamaa hojjechuu ba’eessa godhee beeka”** kun humna guutuun hammeenya godhamu ceepha’uuf kan barreeffame dha. Gochimichi (BDB 405, KB 408, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT) waan tokko sirritti ykn guutummaa guututti hojjechuu jechuudha. Asiratti shaakalaan hojii gaarii tokko hojjechuuf waan hojjetama ibsuuf jechi barbaachisu waan akeekame tokkoof ooleera.

■ **“Namni guddaan arka fuudhaa in gaafata, abbaan firdiis gabbarsuu fudhachuu dhaan firdii kenna ”** geggeessitoota firdii sirrii kennuurra badhaasa jechuun matta’aa (jechuunis matta’aa 3:11 Ba 23:8 Kes. 10:17:16:19 27:25) barbaadu turan.

■ **“inni dubbiin isaa dhaga’amuuf akkuma garaan isaanii barbaade in dubbata, isaan kun dubbii micciiranii walitti in fidu”** lakkoobsi kun sirni siyaasaa fi seera malamaltummaan guutamuusaa ibsa (3:1-12. Isa 59:9-12 Er 8:8-12 22:23 26:26:12-15) sooressi Abba seeraa fi Abbootii siyaasaatti maal akka barbaadu itti himee isaanis waan barbaadan godhanii waan barbaadan karaa ittiin argataan mijeeffatu. Sabni kakuu Waaqayyoo malamaltummaan kan guutan ta’aniiru. Hojiinsaani akkuma gaba warra kaanii kan kufan ta’aniiru.



■ **“Micciiruu”** (BDB 721, KB 783, *Piel* IMPERFECT) gochihimi jedhamu kan inni argamu as qofa duwwaa irratti. Jechi kana waliin wal-fakkaatu yoo’el keessatti akka addaan Bau” ykn “qooduu ta’ee ibsameera. Jechi kun yaada cubbuu seera Waaqayyooti /qulqullummaa/ akka waan addaan baasuutti kan agarsiisu ta’uu hin oolu.

7:4 Kun Ashimurii fakkaata, garuu weeraruudhaaf qophiin isaaniifi yaaliin isaani akka galma hin geenye isa yaada agarsiisuu waliin kan wal-fakkaatuu dha (Isa 22:5) lak. 4 xiyyeeffannoon jijjiirama waan jiru fakkaata, barreeffamoota lamaan warri jalqabaa lak. 2-3 keessatti xuraummaa kan ibsanii dha. Ta’us garuu barreeffamooti itti aanaa sadan (1) Raajota (Erm 6:17 H.7.3:17 Hos 9:8) ykn (2) Yihuudooti weeraraafi qophii taasisan ibsuuf ta’uu danda’a.

■ **“Hinjeeqamu”** jechi kun (BDB 100) Firdii Waaqayyoo ibsuuf kan tajaajilaniidha (Fak. Isa 22:5) 7:5-6 Lakkoobsi kun (1) tokkummaa Yihuudotaa keessa, malamaltummaa gadi fageenyaan ture (2) sababa weeraraan rakko dhufe kan agarsiisaaniidha. Hundumtuu fayidaa mataasaaf dhaabbatee ture. (Lak. 2-3 Erm 9:4:12:6) hiriyummaan dhugaa hin turre (jechuun Fak. 17:17:27:6-7) lakkobsi kun xiyyeeffannaa kan kennuu fi xiyyeeffannaas kan barbaadu gochihima ta’e kan tajaajilluufi gochihima xumura hin arganne lama qaba.

1. “Hin amanina” BDB 52, KB 63, *Hiphil* IMPERFECT akka xiyyeeffannaa kennuutti tajaajila
2. “Abdii hin godhatina” BDB 105, KB 120, *Qal* IMPERFECT akka xiyyeeffannaa kennuutti tajaajila
3. “Eegi” BDB 1036, KB 1581, *Qal* IMPERATIVE

7:6 **“Ilmi “Joonja’adha” jedhee abbaa isaa in tuffata,** ”gochihim (BDB 614, KB 663, *Piel* PARTICIPLE) tuffachuun” yeellasisuun ykn “Qoosuun jechuudha /Fak Kes. 32:15 Erm 14:21 Nah 3:6 dabalataanis barreeffami kun Kakuu Harawaa keessatti bifa bara dhumaa agarsiisuun dhiyaateera.

## **Mi kiyaas 7:7-8**

<sup>7</sup>Ani garuu abdiidhaan gara Waaqayyoo nan ilaala

**Waaqayyoo koo isa ana Fayyisu nan eeggadha, Waaqayyootu anaaf dhaga’a**

<sup>8</sup>Ani kufeera garuu deebi’ee nan ka’a, dukkana keessas nan jiraadha,

**Waaqayyoo garuu ifakooti, yaa diinakoo egaa anatty hin gammadina**

7:7 **“Ani garuu abdiidhaan gara Waaqayyoo nan ilaala.”** Lak. 7 fi lak. 1-6 yaadota baay’ee wal-faallessan hubadhaa gochi hima (BDB 859, KB 1044, *Piel* IMPERFECT). Hojii Waaqayyoo irratti obsaan wal-amanuun raga amantiiti (Fak. Far. 38:15:39:7:42:5:13,5 isa 8:17 Far. Erm. 3:25)

■ **“Waaqayyoo koo isa ana Fayyisu nan eeggadha”** walabummaa Amanta keessatti qaama sadarkaa dhuunfaan taa’ee hubadhaa. Gochihima /BDB 403:KB 402/ hiphil COHORTATIVE dha barreeffamooti bifa walaloon dhiyaatan kun lamaan /sadan/ isa jabaa fi amanamaa ta’e duuka buulu yaa’iwwee ibsa.

■ **“Waaqayyootu anaaf dhaga’a”** Mikiyaas kadhata warra cubbamootaa israa’elotaa fi yi’uudotaa yaa’iwwaan akka hin dhageenyeeffi deebis akka hin deebifne (Fak 3:4) garuu yaa’iwwaan kakuu isaa amanti kan eeganiif sirrimatti kadhataani akka dhaga’uufi deebis akka kennuuf (6:8) durse beeksiseera,

7:8-13 **“Gaaffii Hiika qabu kan ta’u”** lak. 7 lak 8 waliin kan deemuudha hiikaan Afaan Ingiliffaa lak. 8 irratti yaada harawaa jalqabu (NKJV: NRSV:TEV:NJB garuu NASB) lak. 8-10 kan jiran lak. 11-13 kan jiran waliin garaa garummaan kan qaban fakkaatu sababi isaas lakkoobsonni lamaan warri gara dhumaa haromsa yaa’iwwaafi addunyaa irratti dhibbaa inni qabu calaqqisiisu.

7:8 **“anatti hin gammadina”** gochii himi (BDB to 3: KB 407 hiphil) kan walqabatee deemuudha.

■ **“Yaadinakoo”** asiirratti diina kan jedhame saba warra weeraran ta’uu danda’a, garuu dhugaansaa diina kan ture, saba kakuu isaati (saba hundumaa) cubbuu isa uumamaatii kun far 19:12:13 keessa kadhannaa jiru nayaadachiisa.

■ **“Ani kufeera garuu deebi’ee nan ka’a,”** (BDB 877:KB 1086) *Qal* PERFECT dha. Kun haromina nama dhuunfaa tokko ykn hawaasichi ariyatamuurraa deebi’uu agarsiisuu danda’a (4:13).

■ “**dukkana keessas nan jiraadha..**” gochimichi (BDB 442, KB 444, *Qal IMPERFECT*) jechuun “taa’uu” yookiin “jiraachuu” jechuudha. Kakuu Moofaa keessatti dukkanni yeroo baayee akka faallaa ifaatti tajaajila, jechi kun haala bara dhuma kan agarsiisu ta’uu danda’a (Fak isa 9:1:29:18) barreesichi cubbuu hawaasichaa fi sababa firdii dhufuuf yaa’iwwee waliin tokkummaa qabu akka citu itti dhaga’ama firdiin immoo kan inni baay’ee nama jibisiisu argamuu Waaqayyoo keessaa dhibuu isaati.

■ “**Waaqayyo garuu ifakooti**” kun waantota harmaan gadii Macaafu Qulqullu keessatti wal-falleessan kan nutti agarsiisuudha. (1) Dhugaa, sobarraa (2) Fayyinaa fi fayyaa Tarforuufi malaamaltummaarra (3) Gaarummaafi hammeerra ykn (4) Gaamachuu gaddattii Lakkoobsi kun ifa kana akka Waaqayyootti fakkeessee akka ibsaa jiru hubadhaa (Far. 27:1 Isa 60:20 1Xim 6:16 1 Yoh 1:5) isa beekuu: isaaf abboomamuu isa tajaajiluu fi isa tajaajiluun amantoonni Waaqayyoo waliin walitti dhufeenya qaban tumsa /jechuun Waaqayyoon haala wal-fakkaatuun fakkaachuu /yon 14:6 keessa/ isa 9:2 keessatti namoonni ifa guddaa arguu ifni kunis isaanirraa ifa. ifni waaqummaa kun Yesuusii dha. (Yoh 8:12:12:35-36,46) Lak. 8 yeroo dhiphinaatti Waaqayyoo amanamummaan akka argamu kan ibsu yoo ta’u lak. 9 immoo qaamaan yeroo itti wal argan gara fuula duraatti akka jiru kakuu gala.

### **Mikiyaas 7:9-13**

<sup>9</sup>**Ani Waaqayyoon Waanan yakkeef amma inni dubbiikoo**

**ilaalee dhugaakoo anaaf baasutti dheakamsa isaa isa boba’aa nan baadha.**

**Inni gara ifaatti na baasa ani immoo qajeelina isaa argee nan gammada.**

<sup>10</sup>**Diinni koo warri Waaqayyoonkee Eessa jira naan jedhan kana hin argu,**

**Yeeloonnis isaan in qabata:**

**karaa keessattis akkuma kosiitti dhidhiitamu isaanii arguutti nan gammada.**

<sup>11</sup>**Gaaf tokko masarawaankee deebi’anii in ijaaramu gaafas daariinkee in bal’ata**

<sup>12</sup>**Bara sanatti namoonni kee warri biyya Asoorii hamma biyya Gibxiitti,**

**Gibxii hamma laga Efraaxiisitti galaanaa hamma**

